

ALMUNTAQAA KUUSAA HADIISA NABIYYII ﷺ

ⓒ جمعية خدمة المحتوى الإسلامي باللغات ، ١٤٤٥هـ

جمعية خدمة المحتوى الإسلامي باللغات
المنتقى من موسوعة الأحاديث النبوية - أورومي. / جمعية خدمة المحتوى الإسلامي باللغات - ط١. -. الرياض ، ١٤٤٥هـ
٤٦٣ ص ؛ ..سم

رقم الإيداع: ١٤٤٦/١٦٥١٨
ردمك: ٩٧٨-٦٠٣-٨٥٣٤-٠٠-١

Partners in Implementation

Content Association

Rowad Translation

Rabwah Association

IslamHouse

This publication may be printed and disseminated by any means provided that the source is mentioned and no change is made to the text.

Tel: +966 50 244 7000
info@islamiccontent.org
Riyadh 13245- 2836
www.islamhouse.com

المنتقى
من
موسوعة الأحاديث النبوية

اللغة الأورومية

إعداد القسم العلمي

جمعية خدمة المحتوى الإسلامي باللغات

جمعية الدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Ta’eetiin.

Galanni Rabbii mootii Aalamaatiif haa galu. Nagayaaf rahmanni Rabbii nabiyyii keenya Muhammad irratti haa bu'u, akkasumas firaafii saahibban isaanii hunda irratti haa bu'u, warra hanga Qiyaamaatti qajeellorratti isaan hordofe hunda irrattis haa bu'u. Itti aansuudhaan:

Irra caalaan waan muslimni itti jabaatuu qabuu, dubbisuu, xiinxaluu, barachuu fi itti hojjachuu keessatti, -Eega Qur'aana Rabbiitii- Sunnaa Ergamaa Rabbiiti Nagayaa fi Rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatu. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan:"Waan yoo isa qabattan gonkumaa hin jallannen isin keessatti dhiise yaa ilmaan namaa: kitaaba Rabbiitii fi sunnaa nabiyyii isaati ﷺ". Imaamu maaliktu gabaase. Dhugumatti Rabbiin ol tahe ni jedhe:-"Waan ergamaan isiniif kenne isa fudhadhaa waan irraa isin dhoorge irraa dhoorgamaa”. [Suuraa Al-hashrii: 7]. Kanaaf afaan hedduun dhaabbanni tajaajila kuusaa Islaamaa fi dhaabbanni da'awaa fi qajeelcha lammiilee alaa Rabwaatti kuusaa hadiisa nabiyyii qopheessuu fi afaan hedduun hiikuu irratti bololaniiru.

Rabbiin ol ta'e dhugumatti laaffisee kuusaa kana keessatti hadiisoowwan muslimni diini fi duniyaa isaa keessatti haalaan itti haajamu filanii walitti qabuun, ibsa gabaabaa itti godhuun, qajeelfamaa fi hiika isii ibsuu fi faaydaalee isii muraasa ibsuun wajji, kitaaba akka armaan gaditti waamamu kana keessatti baateerti:"Almuntaqaa Kuusaa Hadiisa Nabiyyii irraa ﷺ". Dalagaan Afaanoowwan addunyaa bebbeekamotti hiikuu itti fufee jira. Akka faaydaan isaa hunda wal-gayuu fi sunnaa

Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ilma namaa hundatti afaan isaaniitiin geessuuf jecha.

Rabbiin akka hojii kana nurraa qeebalee, hojii barakeeffamaa fi fuula isaatiif qulqulluu akka nuuf godhu Isa kadhanna, akkasumas nama isa qopheessuu, hiikuu fii tamsaasuu keessatti gargaare hunda galata akka galchuuf Rabbiin kadhanna. Rabbiin Nagaayaa fi rahmata nabiyyii keenya Muhammad irratti haa buusu.

(1) – عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّمَا الْأَعْمَالُ بِالنِّيَّةِ، وَإِنَّمَا لِامْرِئٍ مَا نَوَى، فَمَنْ كَانَتْ هِجْرَتُهُ إِلَى اللهِ وَرَسُولِهِ، فَهِجْرَتُهُ إِلَى اللهِ وَرَسُولِهِ، وَمَنْ كَانَتْ هِجْرَتُهُ لِدُنْيَا يُصِيبُهَا أَوِ امْرَأَةٍ يَتَزَوَّجُهَا، فَهِجْرَتُهُ إِلَى مَا هَاجَرَ إِلَيْهِ».

وفي لفظ للبخاري: «إِنَّمَا الْأَعْمَالُ بِالنِّيَّاتِ، وَإِنَّمَا لِكُلِّ امْرِئٍ مَا نَوَى». [صحيح] - [متفق عليه]

(1) – Umar ilma Khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Hojiin kamuu kan madaalamu niyyaadhaani, namichi kan argatu woma niyyate qofa, namni godaaansi isaa gama Rabbiitii fi Ergamaa Isaatti ta'e, godaansi isaa gamuma Rabbiitii fi Ergamaa Isaati, namni godaansi isaa duuniyaa argachuuf yookaan dubartii fuuchuuf ta'e, godaansi isaas gamuma waan itti godaaneeti ta'a". Jecha Bukhaarii tokko keessatti: "hojiin kamuu kan madaalamu niyyaadhaani, hunda namaatiifuu woma niyyate qofaatu isaaf jira". [sirrii] - [Bukharii fi muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hojiin hunduu madaalli isaa niyyaadhaan akka ta'e ibsani, murtoon kun gabbartiis ta'ee walitti dhufeenya nama waliin taasifnuu fi hojii hunda keessatti murtoo walii galaati, namni hojii isaatiin bu'aa wohii fedhe bu'attii sana malee hin argatu, mindaanis isaaaf hin jiru, namni hojii isaatiin Rabbitti dhihaachuu fedhe hojii isaa irraa mindaa fi gatii argata osoma hojii Aadeeffatamaa, akka nyaataa fi dhugaatii ta'eellee.

Eegasii haala alatti muldhatuun walfakkaachuu waliin dhiibbaa niyyaan hojii irratti qabu ibsuuf jecha fakkeenya

fudhatani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti namni godaansa isaatti jaalala Rabbii fedhee biyya isaa gadhiise, godaansi isaa godaansa shari'aa qeebalamtuudhaa sababaa niyyaan isaa dhugoomteef mindaa irratti ni argata, namni immoo godaansa isaatiin qabeenya irraa, yookaan kabajaa irraa, yookaan daldala irraa, yookaan haadha manaaa irraa haa ta'u bu'aa duuniyaa fedhe godaansa isaa sana irraa bu'attii isii niyyatee sana malee homaa hin argatu, gatii fi mindaa irraa qooda homaatuu hin qabuudha ibsan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Iklaasatti kakaasuudha, Rabbiin hojii irraa waan fuulli Isaa ittiin barbaadame malee hin qeebalu waan ta'eef jecha.
2. Namni dirqamni isa irra kaa'ame hojiiwwan gama Rabbiitti ittiin dhihaatan akka Aadaatti yoo hojjate isii irratti mindaan isaaf hin jiru, hanga isiidhaan Rabbitti dhihaachuu fedhutti.

(4560)

(2) – عَنْ عَائِشَةَ رضي الله عنها قَالَتْ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صلى الله عليه وسلم: «مَنْ أَحْدَثَ فِي أَمْرِنَا هَذَا مَا لَيْسَ فِيهِ فَهُوَ رَدٌّ» متفق عليه.

ولمسلم: «مَنْ عَمِلَ عَمَلًا لَيْسَ عَلَيْهِ أَمْرُنَا فَهُوَ رَدٌّ». [صحيح] - [متفق عليه]

(2) – Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu- ni jette: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Amantii keenya kana keessatti waan isa keessa hin jirre namni argamsiise inni isuma irratti deebifamaadha" Bukhaarii fi

Muslimtu gabaasan. Akka Muslim gabaasetti: “Namni hojii amantii keenya keessa hin jirre hojjate inni isuma irratti deebifamaadha". [sirrii] - [Bukharii fi muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni amantii kana keessatti waa kalaqe ykn waan Qur’aanaa fi Hadiisa irraa ragaa hin qabne hojjate inni abbuma hojjate san irratti akka deebifamuu fi Rabbiin biratti fudhatama akka hin qabne ibsan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ibaadaan waan Qur’aanaa fi Hadiisa keessatti ibsame irratti hundaa’aa waan ta’eef, seera inni baaseen malee kalaqaa fi waan ragaa hin qabneen Rabbii ol ta’e hin gabbarru.
2. Amantiin yaada fi waan gaarii jedhame irratti kan hundaa’e osoo hin taane, Ergamaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hordofuudhaan qofa ta'a.
3. Hadiisni kuni Amantiin guutuu ta'uu irratti ragaadha.
4. Bid'aa jechuun aqiidaa yookaan jecha yookaan hojii irraa ta'ee isheen hunduma waan zamana Nabiyyiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fi sahaabotaa hin jerre kan Amantii keessatti argamsiifameeti.
5. Hadiisni kuni bu'uroowwan Islaamaa keessaa bu'uura tokko yoo ta’u, hojiileef madaala akka ta’etti ilaalama, kanaafuu akkuma hojiin fuula Rabbii ol ta’ee barbaaduun isa keessa hin jirre hundi nama isa hojjateef mindaan isa keessa hin jirretti, hundi hojii waan Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ittiin

dhufaniin wal hin simanne nama isa hojjate irratti deebifamaadha.

6. Bid'aawwan dhoorgaman dhimmoota amantiitiin wantoota walqabatani malee kan jiruu addunyaatii miti.

(4792)

(3) – عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه قال: بَيْنَمَا نَحْنُ عِنْدَ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ ذَاتَ يَوْمٍ إِذْ طَلَعَ عَلَيْنَا رَجُلٌ شَدِيدُ بَيَاضِ الثِّيَابِ، شَدِيدُ سَوَادِ الشَّعَرِ، لَا يُرَى عَلَيْهِ أَثَرُ السَّفَرِ، وَلَا يَعْرِفُهُ مِنَّا أَحَدٌ، حَتَّى جَلَسَ إِلَى النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَأَسْنَدَ رُكْبَتَيْهِ إِلَى رُكْبَتَيْهِ، وَوَضَعَ كَفَّيْهِ عَلَى فَخِذَيْهِ، وَقَالَ: يَا مُحَمَّدُ، أَخْبِرْنِي عَنِ الْإِسْلَامِ، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «الْإِسْلَامُ أَنْ تَشْهَدَ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَأَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللهِ، وَتُقِيمَ الصَّلَاةَ، وَتُؤْتِيَ الزَّكَاةَ، وَتَصُومَ رَمَضَانَ، وَتَحُجَّ الْبَيْتَ إِنِ اسْتَطَعْتَ إِلَيْهِ سَبِيلًا» قَالَ: صَدَقْتَ، قَالَ: فَعَجِبْنَا لَهُ، يَسْأَلُهُ وَيُصَدِّقُهُ، قَالَ: فَأَخْبِرْنِي عَنِ الْإِيمَانِ، قَالَ: «أَنْ تُؤْمِنَ بِاللهِ، وَمَلَائِكَتِهِ، وَكُتُبِهِ، وَرُسُلِهِ، وَالْيَوْمِ الْآخِرِ، وَتُؤْمِنَ بِالْقَدَرِ خَيْرِهِ وَشَرِّهِ» قَالَ: صَدَقْتَ، قَالَ: فَأَخْبِرْنِي عَنِ الْإِحْسَانِ، قَالَ: «أَنْ تَعْبُدَ اللهَ كَأَنَّكَ تَرَاهُ، فَإِنْ لَمْ تَكُنْ تَرَاهُ فَإِنَّهُ يَرَاكَ» قَالَ: فَأَخْبِرْنِي عَنِ السَّاعَةِ، قَالَ: «مَا الْمَسْؤُولُ عَنْهَا بِأَعْلَمَ مِنَ السَّائِلِ» قَالَ: فَأَخْبِرْنِي عَنْ أَمَارَتِهَا، قَالَ: «أَنْ تَلِدَ الْأَمَةُ رَبَّتَهَا، وَأَنْ تَرَى الْحُفَاةَ الْعُرَاةَ الْعَالَةَ رِعَاءَ الشَّاءِ يَتَطَاوَلُونَ فِي الْبُنْيَانِ» قَالَ: ثُمَّ انْطَلَقَ، فَلَبِثْتُ مَلِيًّا ثُمَّ قَالَ لِي: «يَا عُمَرُ، أَتَدْرِي مَنِ السَّائِلُ؟» قُلْتُ: اللهُ وَرَسُولُهُ أَعْلَمُ، قَالَ: «فَإِنَّهُ جِبْرِيلُ، أَتَاكُمْ يُعَلِّمُكُمْ دِينَكُمْ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(3) - Umar ilma Khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Gaafa tokko nuti Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bira taa'aa osoo jirruu, akka tasaa namichi huccuun isaa haalaan adii ta'e, rifeensi isaa immoo haalaan gurraacha ta'e, kan faanni imalaa isa irratti hin mul'annee fi nurraa namni tokkollee kan isa hin beekne nutti ba'e, dhufee Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaaan irratti haa buusu- bira taa'ee jilba isaa gara jilba isaanii lameenitti hirkisee, ganaa harka isaa lameen sarbaa isaanii lamaan irra kaa'atee, yaa Muhammad, islaamummaa irraa natti himi jedheen, Ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: " islaama jechuun Allaaha malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Muhammad immoo ergamaa Allaahaati jettee ragaa ba'uudha, salaata dhaabuudha, zakaa kennachuudha, ramadaana soomuudha, yoo karaa dandeesse mana Rabbii hajja'uudha jedhaniin, innis dhugaa dubbatte jedheen, ni jedhe (umar): isa dinqisiifanne, ni gaafataa (deebiin isaa akkka sirrii ta'e) immoo isa dhugoomsee mirkaneessaaf, itti aansuun ni jedhe: Iimaana irraa naaf himi, isaanis ni jedhan: "Allaahaatti, malaa'ikota Isaatti, kitaabbota Isaatti, ergamtoota Isaatti, guyyaa dhumaatii fi qadara toltuu fi hamtuu isaatti amanuudha". innis dhugaa dubbatte jedheen, ammas ni jedhe: Ihsaana irraa naaf himi (toltuu hojjachuu), isaanis ni jedhan: "Akka waan Isa agartuutti Allaaha gabbaruudha, ati yoo Isa hin agarrellee Inni si arga waan ta'eef". ammas ni jedhe: qiyaamaa irraa naaf himi, isaanis ni jedhan: "Waan isii irraa gaafatamaan gaafataa caalaa waan beeku hin qabu". innis ni jedhe: mallattoo isii irraa naaf himi, isaanis ni

jedhan: "Gabrittiin rabbii isii da'uu fi tiksitoota re'ee kan miila qullaa huccuu irraas qullaa ta'an ijaarsa keessatti kan wol dorgoman arguu keeti". ni jedhe (Umar): eegasii ni deeme, xiqqo nan ture, eegasii akkas naan jedhani: "Yaa Umar hoo gaafataan eenyu akka ta'e beekataa?", Allaahaa fi Ergamaa Isaatu beekan jedheeni, isaanis ni jedhan: "Inni Jibriil ture amantaa keessan isin barsiisuuf jecha dhufe". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Umar -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Jibriil -nagaan isa irra haa jiraatu- fakkii nama hin beekamneetiin sahaabotatti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akka dhufe hima, haala isaa irraa huccuun isaa hedduu adiidha, rifeensi isaas hedduu gurraacha, dadhabbii, quxxoo, rifeensi isaa adda faca'uu fi huccuun xuraawuu irraa faanni imalaas isa irratti homaa hin mul'atuudha, akkasumas namoota yeroo sana achi turan irraa namni tokko isa hin beeku, osoo isaan Nabiyyii bira -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu -taa'ani jiranuu Nabiyyii fuuldura taa'icha akka barataatti taa'ee, Islaamummaa irraa isaan gaafate, achumaan arkaanattii tana tan shahaadaa lameen raggaasisuu, salaata shanan eeggachuu, nama isii haqa godhatuuf zakaa kennuu, ji'a ramadaanaa soomuu fi nama danda'u irratti dirqama hajjii geessuu kan taateen isaaf deebisani. Gaafataanis ni jedhe: dhugaa dubbatte, sahaabonnis gaaffii isaa kan akka hin beekne akeekuu fi eegasii immoo akka nama beekuutti deebisee dhugoomsuu isaa irraa dinqisiifatani.

Eegasii Iimaana irraa isaan gaafatee, isaanis arkaanattii jahan Allaahaan ol ta'e jiraachuu fi sifoottan Isaatti amanuu,

akkasuma hojii Isaa kan akka uumuu faatiin Isa tokkichoomsuu, akkasuma malaa'ikonni kan Rabbiin ifa irraa isaan uume gabroota kabajamoo kan Rabbii ol ta'e hin faallessinee fi ajaja Isaatiin kan hojjatan ta'uu isaaniitti amanuu, akkasuma kitaabota Rabbii ol ta'e biraa ergamtoota Isaa irratti bu'an kan akka qur'aanaa, tawraat, injiilii fi kanneen birootti amanuu, akkasuma ergamtoota Rabbiin irraa ergaa geessan, isaan irraa Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi xumura isaanii Muhammaditti amanuu -nageenyi Rabbii cufa isaanii irra haa jiraatu- akkasuma nabiyyootaa fi ergamtoota kan biroottis amanuu, guyyaa dhumaatti amanuu, wanti booda du'aati jiru qabrii fi jireenyi dahoos(jireenya booda du'aatii hanga qiyaamaatti jiru) isa keessa gala, ilmi namaa booda du'aatii ni kaafama akkasumas ni herregama, deebiin isaa gara jannataa yookaan gara ibiddaa ta'a, akkasuma Rabbiin haala beekumsi Isaa dursee, hikmaan isaa akeekteen, akkaataa waan sana barreessee fi isa fedheen wantootii murteessee akka jiru amanuu, isiinis akkaataa Inni itti murteessee fi isaan itti uumeen argamaniitti amanuudha jechuudhaan deebisaniif. Eegasii Ihsaana (tola ooluu) irraa isaan gaafatee jennaan, isaanis akkana jedhanii deebisaniif: ihsaanni akka waan Isa arguutti Rabbiin gabbaruudha, sadarkaa kana ga'uun yoo isaaf hin argamne akka waan Rabbiin isa ilaalaa jiruutti Rabbiin haa gabbaruu, inni jalqaba sadarkaa ilaalchaati, inni sadarkaa olaanaadha, lammaffaan sadarkaa too'annaati.

Eegasii qiyaamaan yoomi jedhee gaafate? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- beekumsi qiyaamaa waan Rabbiin beekumsa isaa of qofaa godhate keessaa tokko akka ta'ee fi uumamtoota keessaa tokkoyyuu

akka isa hin beekne fi isa irraa gaafatamaan gaafataa irra kan hin beekne akka ta'e ibsaniif.

Eegasii mallattoo qiyaamaa irraa isaan gaafate? mallattoo isii irraa gabrittiiwwanii fi ilmaan isii heddummachuu, yookaan ilmaan haadha isaaniitti jallachuu hanga akka gabrittiitti walitti dhufeenya isaanii waliin taasisanutti, akkasumas dhuma yeroo keessatti tiksitoonni re'ee fi rakkattoonni duuniyaan isaanitti gadhiifamtee, ijaarsa ijaaruu fi isa bareechuu keessatti wol dorgomuu akka ta'e ifa galchaniif.

Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafataan jibriil akka ta'ee fi sahaabota diinii qajeelaa kana barsiisuuf akka dhufe himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haala toluu Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fi akka isaan sahaabota isaanii waliin taa'anii fi isaanis akka Nabiyyii waliin taa'an mul'isa.
2. Gaafataaf garaa laafuu fi isa dhiheessuun karaa godhamuudha, osoo wolitti hin galinii fi osoo hin sodaatin gaafachuu akka danda'uuf jecha.
3. Naamuusa barsiisaa wajjinii akkuma jibriil -nagaan isa irra haa jiraatu- isaan irraa fudhachuuf jecha fuuldura Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- taa'umsa nama naamuusa qabuu taa'uudhaan hojjatetti.
4. Ruknoowwan islaamaa shani, hundeeleen iimaanaa immoo jahaadha.
5. Islaamnii fi iimaanni yeroo iddoo tokkotti walitti dhufan, islaamni wantoota bakkee kan mul'atoo ta'aniin hiikama, iimaanni immoo wantoota keessoo kan dhokatoo ta'aniin

hiikama.

6. Amantaan sadarkaa waldhabaa akka ta'e ibsuutu keessa jira, sadarkaan jalqabaa: Islaama, kan lammaffaa: Iimaana, kan sadaffaa immoo: Ihsaana, inni olaanaa isiiti.
7. Gaafataa ilaalchisee bu'uurri gaafataan beekuu dhabuudha, gaaffiitti kan kakaasu wallaaluma, kanaaf sahaabonni gaaffii isaatii fi sana booda immoo dhugoomsuu isaa irraa dinqisiifatani.
8. Irra yaachisaan akkasumas irra yaachisaan eegalanii akkasumatti itti fufuudha, waan islaama ibsuu keessatti shahaadaa lameeniin eegalameef jecha, akkasuma Rabbitti amanuu keessattis iimaana ibsuun waan eegalameef jecha.
9. Gaafataan waan ofii wollaalle worra beekumsa qabu gaafachuudha, namni biraa akka baruuf jecha.
10. Beekumsi qiyaamaa waan Rabbiin beekumsa isaa ofii qofaa godhate irraayi.

(4563)

(4) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بنِ عُمَر رضي الله عنهما قال: قال رسولُ الله صلى الله عليه وسلم: «بُنِيَ الْإِسْلَامُ عَلَى خَمْسٍ: شَهَادَةِ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَأَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ، وَإِقَامِ الصَّلَاةِ، وَإِيتَاءِ الزَّكَاةِ، وَحَجِّ الْبَيْتِ، وَصَوْمِ رَمَضَانَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(4) – Abdullaah ibn Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Islaamummaan waan shan irratti ijaarame: Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirree fi Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uu ragaa bahuu, salaata dhaabuu, zakaa kennuu, hajjii

gochuu fi ji'a Ramadaanaa soomuudha". [sirrii] - [Bukharii fi muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Islaamummaa ijaarsa ruknoowwan isaa shanan ijaarsa sana baattuun jabaa ta'etti fakkeessan, haaloowwan isalaamummaa kanneen hafan immoo akka waan guuttuu ijaarsa sanaa taatetti ilaalamti. Durri Ruknoowwan kanneenii: Shahaadaa lameeni; Rabbiin malee kan haqaan gabbaramu hin jiruu fi Muhammad Ergamaa Rabbii ta'uu ragaa bahuudha, isaan kun lameen ruknii tokko, tokkoon isaanii kaan irraa gargar hin bahu, Garbichi tokkummaa Rabbiitii fi waan Isa malee jiru osoo hin taane Inni qofti ibaadaa akka haqa godhatu amaanaa haala ta'een, qajeelfama isitti hojjataa haala ta'een, ergaa Muhammaditti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- amanee isaan hordofaa haala ta'een isaan lameen (shahaadaa lameen) dubbata. Rukniin lammaffaa: Salaata dhaabuudha, isiinis Salaatawwan halkanii fi guyyaa keessatti dirqama ta'an shanani: salaata fajrii, zuhrii, asrii, maghribaa fi ishaa'ii yoo ta'an, ulaagaa isaanii, ruknoowwan isaaniiti fi dirqamoota isaanii eeggatanii dhaabuudha. Rukniin sadaffaa: zakaa dirqamaa baasuudha, isiin ibaadaa qabeenyaa tan hunda horii likkii shari'aan murtaahe keessatti dirqama taatuudha, namoota isii haqa godhataniif kennamti. Rukniin afraffaa: Hajjiidha, inni hojiilee adda addaa raawwachuuf Makkaa hamiluudha, Rabbii ol ta'e gabbaruuf jecha. Rukniin Shanaffaa: Sooma Ramadaanaati, inni barii irraa kaasee hanga aduun lixxutti niyyaa Rabbiin gabbaruutiin nyaata, dhugaatii fi wantoota sooma balleessan kan biroo irraa of qabuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Shahaadaan lameen kan addaan hin baane ta'uu fi tokkoon isaanii kaanin malee fayyaa hin ta'uudha; kanaafuu ruknii tokko isaan godhe.
2. Shahaadaan lameen bu'uura amantii yoo ta'an isaan lameenin malee jechaas ta'ee hojiin kamuu fudhatama hin qabu.

(65000)

(5) – عَنْ مُعَاذٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ، قَالَ: كُنْتُ رِدْفَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ عَلَى حِمَارٍ يُقَالُ لَهُ عُفَيْرٌ، فَقَالَ: «يَا مُعَاذُ، هَلْ تَدْرِي حَقَّ اللَّهِ عَلَى عِبَادِهِ، وَمَا حَقُّ العِبَادِ عَلَى اللَّهِ؟»، قُلْتُ: اللَّهُ وَرَسُولُهُ أَعْلَمُ، قَالَ: «فَإِنَّ حَقَّ اللَّهِ عَلَى العِبَادِ أَنْ يَعْبُدُوهُ وَلَا يُشْرِكُوا بِهِ شَيْئًا، وَحَقَّ العِبَادِ عَلَى اللَّهِ أَنْ لَا يُعَذِّبَ مَنْ لَا يُشْرِكُ بِهِ شَيْئًا»، فَقُلْتُ: يَا رَسُولَ اللَّهِ أَفَلاَ أُبَشِّرُ بِهِ النَّاسَ؟ قَالَ: «لَا تُبَشِّرْهُمْ، فَيَتَّكِلُوا». [صحيح] - [متفق عليه]

(5) – Mu'aaz irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Booda Nabiyyiitti -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- Harree ufayr isaan jedhamu irratti duubaan yaabbadhee osoon jiruu, akkana naan jedhani: "Yaa Mu'aaz! haqa Rabbii kan gabroota Isaa irra jiruu fi haqa gabrootaa kan Rabbirra jiru ni beektaa?", Rabbii fi ergamaa Isaatu beekan jedhe, Ergamaanis ni jedhani: "Haqni Rabbii kan gabroota Isaa irra jiru Isa gabbaruu fi homaa Isatti qindeessuu dhabuudha, haqni gabroonni Rabbirraa qaban immoo nama Isatti homaa hin qindeessine adabuu dhabuudha", nan jedhe: yaa Ergamaa Rabbii namootaa ittiin gammachiisuu? Ergamaanis ni jedhani: "isaan hin gammachiisin, ni hirkataniitii (kanuma irratti

hirkatanii hojii biraa dhiisu waan ta'eef jecha)". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- haqa Rabbiin gabroottan irraa qabuu fi haqa gabroottan Rabbiirraa qaban ifa galchan, haqni Rabbiin gabroota irraa qabu Isatti waan tokko osoo hin qindeessin Isa qofa gabbaruudha, Haqni gabroonni Rabbirraa qaban worra Isatti homaa osoo hin qindeessine Isa tokkichoomsan adabuu dhabuudha. Eegasii Mu'aaz ni jedhe: yaa ergamaa Rabbii, namoonni akka gammadanuuf tola guddaa kanaan isaan gammachiisuu? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan namoonni isa irratti hirkatanii hojii dhiisu jedhanii sodaataniif isa dhoorgani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haqa Rabbii ol ta'ee kan isa gabroota isaa irratti dirqama taasise ibsuutu keessa jira, inni osoo waan tokkollee Isatti hin qindeessin Isa gabbbaruudha.
2. Haqa gabroottan Rabbii ol ta'e irraa qaban ibsuudha, haqichi isa Rabbiin tola Isa irraa ta'ee fi qananii Isaatiin ofii Isaa irratti dirqama taasiseedha, innis jannata isaan seensisuu fi isaan azzabuu dhabuudha.
3. Worra Rabbiin tokkichoomsan kan Rabbiitti homaa hin qindeessineef gammachuu guddaatu isa keessa jira, itti galli isaani jannata seenuu ta'uudhaan.
4. Badii beekumsa dhoksuun qabu keessa bu'uu sodaaf jecha Mu'aaz hadiisa kana du'a isaatiin duratti odeesseera.
5. Namoota garii biratti hadiisa garii facaasuu irraa

eeggachuutti dammaqsuudha, sodaa namoota hiika isaa hubachuu hin dandeenyeetiif jecha; sun waan hojiin isa irratti hin hundoofne keessattii fi waan adabbiin shari'aa isa keessa hin jirre keessatti.

6. Balleessitoonni worra tawhiidaa fedha Rabbii jala jiru, yoo fedhe isaan azzaba yoo fedhe immoo isaaniif dhiisa, eegasii deebiiin isaanii jannata ta'a.

(65007)

(6) – عَنْ جَابِرٍ رضي الله عنه قَالَ: أَتَى النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ رَجُلٌ فَقَالَ: يَا رَسُولَ اللهِ، مَا الْمُوجِبَتَانِ؟ فَقَالَ: «مَنْ مَاتَ لَا يُشْرِكُ بِاللهِ شَيْئًا دَخَلَ الْجَنَّةَ، وَمَنْ مَاتَ يُشْرِكُ بِاللهِ شَيْئًا دَخَلَ النَّارَ» [صحيح] - [رواه مسلم]

(6) – Jaabir irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namichi wohii gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun akkas jedhe: Yaa ergamaa Rabbii! raggaasisoon lameen maali? ergamaanis ni jedhani: "Namni haala homaa Rabbiitti hin qindeessineen du'e jannata seene, namni haala waa tokko Rabbitti qindeessuun du'e immoo ibidda seene". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Namichi wohii waan lama kan jannata seenuu dirqama taasisanii fi kan ibidda seenuu dirqama taasisan maali jedhee Nabiyyii -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafate? Akkas jechuun isaanis -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaaf deebisan: wanti jannata dirqama taasisu ilmi namaa haala Rabbiitti homaa hin qindeessineen Isa qofa osoo gabbaruu du'uudha, Wanti ibidda dirqama taasisu

immoo ilmi namaa haala Rabbitti qindeessuun haala inni gabbaramummaa isaa keessatti yookaan gooftummaa Isaa keessatti yookaan maqoowwanii fi sifaatowwan Isaa keessatti Isaaf fakkaataa fi hiriyaa taasisuun du'uudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa tawhiidni qabuudha, namni haala Rabbitti amanee homaa isatti hin qindeessineen du'e jannata seene.
2. Hammeenya shirkiin qabuudha, namni waa tokko osoo Rabbitti qindeessuu du'e ibidda seene.
3. Balleessitoonni worra tawhiidaa fedha Rabbii jala jiru, yoo fedhe isaan azzaba yoo fedhe immoo isaaniif dhiisa, eegasii deebiiin isaanii jannata ta'a.

(65008)

(7) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بنِ مَسْعُودٍ رضي الله عنه قال: قَالَ النَّبِيُّ صلى الله عليه وسلم كَلِمَةً وَقُلْتُ أُخْرَى، قَالَ النَّبِيُّ صلى الله عليه وسلم: «مَنْ مَاتَ وَهُوَ يَدْعُو مِنْ دُونِ اللهِ نِدًّا دَخَلَ النَّارَ» وَقُلْتُ أَنَا: مَنْ مَاتَ وَهُوَ لَا يَدْعُو لِلَّهِ نِدًّا دَخَلَ الْجَنَّةَ. [صحيح] - [متفق عليه]

(7) – Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jecha tokko jedhan, anis kan biraatiin jedhe, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namni Rabbiin alatti waan biroo Rabbiif hiriyaa godhee osoo kadhatuu du'e ibidda seena". Anis nin jedhee: Namni Rabbiin alatti waan biroo Rabbiif hiriyaa godhee isa hin kadhatin jannata seena. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni waan Rabbiif ta'uu qabu waan biraatiif godhe, sun akka waan biraa Rabbiin alatti kadhachuu, yookaan Rabbiin alatti waan biraa irraa dirmachuu barbaaduuti, ergasii sana irratti kan du'e, inni warra Ibidda irraa ta'a. Ibnu Mas'uud -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- itti dabaluudhaan, namni waa tokko osoo Rabbitti hin dabalin du'e, hireen isaa Jannata ta'a jedhe.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kadhannaan/du'aa'in ibaadaa waan ta'eef Rabbiif qofa malee kan biraatif akka hin laatamneedha.
2. Sadarkaa tawhiidni qabuu fi dhugamatti namni isa irratti du'e garii badiiwwan isaa irrattillee osoo adabamee jannata seenuun isaa hin hafuudha.
3. Hammeenya Rabbitti qindeessuun qabuu fi dhugumatti namni shirkirratti du'e ibidda galaadha.

(3419)

(8) – عَنِ ابْنِ عَبَّاسٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ لِمُعَاذِ بْنِ جَبَلٍ، حِينَ بَعَثَهُ إِلَى الْيَمَنِ: «إِنَّكَ سَتَأْتِي قَوْمًا أَهْلَ كِتَابٍ، فَإِذَا جِئْتَهُمْ فَادْعُهُمْ إِلَى أَنْ يَشْهَدُوا أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَأَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللهِ، فَإِنْ هُمْ أَطَاعُوا لَكَ بِذَلِكَ، فَأَخْبِرْهُمْ أَنَّ اللهَ قَدْ فَرَضَ عَلَيْهِمْ خَمْسَ صَلَوَاتٍ فِي كُلِّ يَوْمٍ وَلَيْلَةٍ، فَإِنْ هُمْ أَطَاعُوا لَكَ بِذَلِكَ، فَأَخْبِرْهُمْ أَنَّ اللهَ قَدْ فَرَضَ عَلَيْهِمْ صَدَقَةً تُؤْخَذُ مِنْ أَغْنِيَائِهِمْ فَتُرَدُّ عَلَى فُقَرَائِهِمْ، فَإِنْ هُمْ أَطَاعُوا لَكَ بِذَلِكَ، فَإِيَّاكَ وَكَرَائِمَ أَمْوَالِهِمْ، وَاتَّقِ دَعْوَةَ الْمَظْلُومِ، فَإِنَّهُ لَيْسَ بَيْنَهُ وَبَيْنَ اللهِ حِجَابٌ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(8) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Mu'aaz ilma Jabaliin yeroo gara yamanitti isa erganitti ni jedhaniin: "ati ummata wohii kan worra kitaaba kennaman irraa ta'anitti dhufta, yeroo isaan bira dhuftetti haqaan gabbaramaan Allaaha malee akka hin jirree fi dhugumatti Muhammad ergamaa Allaahaa akka ta'e gara Ragaa ba'utti isaan waami yoo isaan sana kan sirraa qeebalan ta'e, guyyaa fi halkan hunda keessatti akka Rabbiin isaan irratti salaata shan dirqama taasise isaanitti himi, yoo isaan sana kan sirraa qeebalan ta'e, Rabbiin zakaa dureessowwan isaanii irraa fuudhamtee hiyyeessota isaaniitti deebitu dhugumatti dirqama akka isaan irratti taasise isaanitti himi, yoo isaan sana kan siif qeebalan ta'e, adaraa qabeenyawwan isaanii qaqqaalii irraa of eegadhu, kadhaa miidhamaa sodaaadhu, dhugumatti isaa fi Rabbiin gidduu girdoon hin jiruutii". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-yeroo Mu'aaz ilma Jabaliin -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- gara biyya yamanitti gara Rabbiitti waamaa fi barsiisaa haala ta'een isa erganitti, uummata Nasaaraa irraa ta'an akka qunnamu isaaf ibsan; akka isaaniif qophii ta'uuf jecha, eegasii isaan waamuu keessatti irra yaachisaadhaan, eegasii irra yaachisaadhaan akka eegaluuf jecha. Jalqaba gara Aqiidaa sirreeffachuutti isaan waama; dhugaan gabbaramaan Allaaha malee akka hin jirree fi dhugumatti Muhammad ergamaa Allaahaa akka ta'e ragaa ba'uudhaan. Isaan isiidhaan gara

islaamummaatti seenan waan ta'eef, yoo isaan sanaaf ajajaman salaata dhaabuutti isaan ajaja; waan isiin booda tawhiidaatii irra guddaa dirqamootaa taateef jecha. Yoo isii kan gadi dhaaban ta'e, dureessotni isaanii zakaa qabeenya isaanii hiyyeessota isaaniitiif akka kennan isaan ajaja, eegasii qabeenya isaanii caalaa fudhachuu irraa isa akeekkachiisan; dirqamni giddu galeessa waan ta'eefi. Eegasii miidhuu irraa akka fagaatu isaaf dhaaman; miidhamaan isa irratti akka hin kadhanneef jecha, kadhaan isaa qeebalamaa waan ta'eefi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hiikkaan shahaadaa "An Laa ilaaha illallaah" jechuudhaa, gabbartiidhaan Rabbiin adda baasuudha, gabbartii waan Isa malee jiruu dhiisuudha.
2. Hiikkaan shahaadaa "Anna Muhammadan Rasuulullaah" jechuudhaa: isaanii fi waan isaan ittiin dhufaniinitti amanuudha, akkasumas isaan dhugeessanii, akka isaan dhuma ergamtoota Rabbii kan gara ilma namaatti ergamanii ta'an fudhachuudha.
3. Beekaa fi nama waa wal itti fakkaate haasofsiisuun akka wallaalaa haasofsiisuutii miti; kanaaf Mu'aaziin "ati ummata kitaaba kennamanitti dhufta" jedhanii yaadachiisan.
4. Barbaachisummaa muslimni amantaa isaa irratti hubannoo qabaachuun qabu, wal fakkaannaa fakkeessitootaa irraa akka qulqullaa'uuf jecha, sunis beekumsa barbaaduuni.
5. Booda Rasuulli ergamaniitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dogongora ta'uu amantaa

yahuudaa fi nasaaraati, isaan hanga amantaa islaamummaatti seenanii nabiyyitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- amananutti guyyaa qiyaamaa worra bilisa ba'an irraayii miti.

(3390)

(9) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّهُ قَالَ: قِيلَ: يَا رَسُولَ اللهِ، مَنْ أَسْعَدُ النَّاسِ بِشَفَاعَتِكَ يَوْمَ الْقِيَامَةِ؟ قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «لَقَدْ ظَنَنْتُ يَا أَبَا هُرَيْرَةَ أَنْ لَا يَسْأَلَنِي عَنْ هَذَا الْحَدِيثِ أَحَدٌ أَوَّلُ مِنْكَ؛ لِمَا رَأَيْتُ مِنْ حِرْصِكَ عَلَى الْحَدِيثِ، أَسْعَدُ النَّاسِ بِشَفَاعَتِي يَوْمَ الْقِيَامَةِ، مَنْ قَالَ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ خَالِصًا مِنْ قَلْبِهِ أَوْ نَفْسِهِ»». [صحيح] - [رواه البخاري]

(9) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isarraa haa jaallatu- ni jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii! guyyaa qiyaamaa magantaa keetiin irra milkaa'aan namaa eenyu jedhame? Ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Yaa Abaa Hurayraa hoo! bololli ati hadiisaaf qabdu waanan argeef jecha eenyunuu si dursee hadiisa kana irraa akka na hin gaafanne dhugaan yaadeen ture, guyyaa qiyaamaa magantaa kootiin irra milkaa'aan namaa, nama onnee isaa irraa, yookaan lubbuu isaa irraa qulqulleessee "Laa ilaaha illallaah" jedhe". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- guyyaa qiyaamaa dhugumatti irra milkaa'aan namaa nama onnee isaa irraa qulqulleessee "Laa ilaaha illallaah" jedhe, akka ta'e himan, akkas jechuun haqaan gabbaramaan Allaaha

malee hin jiru jechuudha, akkasumas shirkii fi namni na haa arguu irraa qulqulluu ta'uudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Aakhiraatti magantaa akka dhaabbattanuu fi isiin immoo worra Rabbiin tokkichoomsaniif malee nama biraatiif akka hin taane raggaasisuudha.
2. Magantaan isaanii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isiin isaan gara Rabbiitti magantaa dhaabbachuudha worrra Rabbiin tokkichoomsan irraa nama ibidda haqa godhateef akka isii hin seenneef, namni isii seene immoo akka isii keessaa ba'uuf.
3. Sadarkaa jechi tawhiidaa tan Rabbii ol ta'eef qulqulluu taate qabduu fi guddina bu'aa isiiti.
4. Jecha tawhiidaa mirkaneessuun hiikkaa isii baruu fi akeeka isiitti hojjachuudha.
5. Sadarkaa Abuu Hurayraan -Rabbi isa irraa haa jaallatu- qabuu fi bololli beekumsaaf qabuudha.

(3414)

(10) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بنِ مَسْعُودٍ رضي الله عنه قال: سَأَلْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: أَيُّ الذَّنْبِ أَعْظَمُ عِنْدَ اللهِ؟ قَالَ: «أَنْ تَجْعَلَ لِلَّهِ نِدًّا وَهُوَ خَلَقَكَ» قُلْتُ: إِنَّ ذَلِكَ لَعَظِيمٌ، قُلْتُ: ثُمَّ أَيٌّ؟ قَالَ: «وَأَنْ تَقْتُلَ وَلَدَكَ؛ تَخَافُ أَنْ يَطْعَمَ مَعَكَ» قُلْتُ: ثُمَّ أَيٌّ؟ قَالَ: «أَنْ تُزَانِيَ حَلِيلَةَ جَارِكَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(10) – Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedheetiin gaafadhe: Rabbiin biratti dilii kamiitu irra guddaadha? isaanis akkana jedhan: "Osoo inni si uumee jiruu, Rabbiif fakkaataa gochuudha" anis nan jedhe: sun waan guddaadha. ammas nan jedhe: Eegasii hoo? Isaanis ni jedhan: "Ilma kee si waliin nyaachuu sodaaf jecha ajjeesuudha", nan jedhe: eegasii hoo? Isaanis ni jedhan: "haadha manaa ollaa keetitti sagaagalummaa raawwachuudha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irra guddaa diliiwwanii irraa gaafatamanii akkana jedhan: Irra guddaan ishee shirkii guddaadha, Innis gooftummaa Isaa keessatti yookaan gabbartii Isaa keessatti yookaan maqaa fi sifaawwan Isaa keessatti fakkaataa Rabbiif gochuudha, dilii kana tawbaadhaan malee Rabbiin ol ta'e dhiifama hin godhu, abbaan isaa osuma isatti jiruu yoo du'e inni ibidda keessatti zalaalam ta'a. Eegasii namni tokko ilma isaa na waliin nyaata jedhee sodaatee isa ajjeesuudha, Lubbuu ajjeesuun ammoo haaraama, Garuu diliin isaa yoo inni ajjeefame sun ajjeesaan waliin firooma qabaate ni guddata, ammas diliin isaa kan guddatu yeroo yaadni nama ajjeesee sun namni ajjeefame kun rizqii Rabbiin kenneef isa waliin qooddataa sodaaf ta'eedha. Eegasii namni tokko haadha manaa ollaa isaa gowwoomsuun akka isiin isaa bitamtu gochuun isii waliin sagaagalummaa raawwachuudha. Sagaggaalummaan haraama, garuu namni sagaggaalummaan

itti raawwatamu haadha manaa ollaa kan shari'aan tola isatti ooluu, gaarii isaaf yaaduu fi isaan waliin jireenya gaarii jiraatutti ajaje yoo taate diliin isaa ni guddata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Akkuma hojiin gaariin sadarkaa keessatti wal dhabu, diliinis guddina keessatti wal dhabaadha.
2. Irra guddaan diliidhaa: Rabbii ol ta'etti waan biraa qindeessuudha, eegasii si waliin nyaachuu sodaaf jecha ilmoo kee ajjeesuudha, eegasii haadha manaa ollaa keetitti sagaggaalummaa raawwachuudha.
3. Rizqiin harka Rabbiiti jira, Uumamtoota hundaafuu akka qoodu of qabee jira -Inni qulqullaa'e-.
4. Guddina haqa ollaatii fi diliin isa miidhuu dilii nama biroo miidhuu irra akka guddaa ta'eedha.
5. Rabbii uumaa ta'e kan hiriyaa hin qabne qofaatu gabbaramuu haqa godhataadha.

(5359)

(11) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «قَالَ اللهُ تَبَارَكَ وَتَعَالَى: أَنَا أَغْنَى الشُّرَكَاءِ عَنِ الشِّرْكِ، مَنْ عَمِلَ عَمَلًا أَشْرَكَ فِيهِ مَعِي غَيْرِي تَرَكْتُهُ وَشِرْكَهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(11) – Abuu Hurayraa irraa -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- ni jedhan: "Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "Ani shirkii irraa irra dureessa (sooressa) shariikotaati, namni hojii tokko hojjatee isa keessatti Ana waliin waan biraa qindeesse, isaa fi shirkii isaa nin dhiisa". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- Rabbiin ol ta'ee guddate akkana jedhe jechuudha himan: Inni shirkii irraa irra dureessa shariikotaati, inni waan hunda irraa dureessa, ilmi namaa hojiilee kheyrii irraa yeroo hojii tokko Rabbiif jecha hojjatee Isaan (Rabbiin) waliin waan biraa isa keessa galche, Rabbiin isa dhiisa, hojii sana isa irraa hin qeebalu, inumaayyuu hojii sana isarratti deebisa; Hojii Rabbii ol ta'eef qulqulleessuun dirqama ta'a, waan Inni (Rabbiin) -qulqullaa'e- waan fuula Isaa kabajamaaf qulqulluu ta'e malee waan biraa hin qeeballeefi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gosa shirkii hunda irraa sodaachisuu, waan inni (shirkiin) hojiin qeebalamuu irraa dhoorgaa ta'eef jecha.
2. Hojii Rabbiif qulqulleessuu irratti wantoota nama gargaaran keessaa, durummaa fi guddina Rabbii yaadachuudha.

(3342)

(12) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قال: «كُلُّ أُمَّتِي يَدْخُلُونَ الْجَنَّةَ إِلَّا مَنْ أَبَى»، قَالُوا: يَا رَسُولَ اللهِ، وَمَنْ يَأْبَى؟ قَالَ: «مَنْ أَطَاعَنِي دَخَلَ الْجَنَّةَ، وَمَنْ عَصَانِي فَقَدْ أَبَى». [صحيح] - [رواه البخاري]

(12) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Hundi ummata kootii jannata ni seenu nama dide malee", yaa Ergamaa Rabbii enyuma kan didu? jedhan (sahaaboonni), Ergamaanis ni jedhan: "Namni

naaf ajajame jannata seene, namni na faallesse immoo dhugumatti jannata didee jira". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama dide malee hundi ummata isaanii jannata akka seenan himani.

Sahaabonni -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhan: Eenyu inni didu yaa Ergamaa Rabbii?!

Namni ergamaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jala butamee, isaan hordofee fi isaaniif ajajame jannata seena, namni isaan faallesse kan shari'aan hin bulle immoo hojii isaa badduudhaan dhugaan jannata seenuu didee jira jedhanii deebii isaaniif kennan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ergamaadhaaf ajajamuun -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiif ajajamuu irraayi, isaan faallessuun Rabbiin faallessuu irraayi.
2. Nabiyyiif ajajamuun -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jannata dirqama gooti, isaan faallessuun immoo ibidda dirqama gooti.
3. Ummata tana irraa worra Rabbiif ajajamaniif gammachuutu jira, hundi isaaniituu jannata seenu, nama Rabbii fi eErgamaa Isaa faallesse malee.
4. Ummata isaaniitiif laphee baachuu isaaniitii fi qajeeluma isaanii irratti bololuu isaaniitu hadiisicha keessa jira -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-.

(4947)

(13) – عَن عُمَرَ بنِ الخَطَّابِ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قال: سَمِعْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «لَا تُطْرُونِي كَمَا أَطْرَتِ النَّصَارَى ابْنَ مَرْيَمَ؛ فَإِنَّمَا أَنَا عَبْدُهُ، فَقُولُوا: عَبْدُ اللهِ وَرَسُولُهُ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(13) – Umar ilma Khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiidhaa akkas jedhanin dhaga'e -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: "Akka nasaaraan ilma Maryam faarsuu keessatti daangaa dabartetti yeroo na faarsitan daangaa hin darbinaa, ani garbicha Rabbii qofa: kanaafuu garbicha Rabbii fi ergamaa Isaati jedhaa". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sifowwan Rabbii ol taée fi hojii dhuunfaa Isaatiin isaan faarsuu fi haala isaanii ibsuu keessatti daangaa shari'aa darbuu irraa dhoorgan, yookaan isaan waan dhokataa ni beekan jechuudhaan, ykn Rabbiin waliin ni waammataman jechuudhaan, akkuma nasaaraan Iisaa ilma maryam -nageenyi irratti haa jiraatu- waliin dalaganitti daangaa shari'aa darbuu irraa dhoorgan. Eegasii isaan gabroota Rabbii keessaa tokko akka ta'an ibsan, akkasumas akka nuti isaan: garbicha Rabbii fi ergamaa Isaati jennu nu ajajan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kabajuu fi faarsuu keessatti daangaa shari'aa darbuu irraa sodaachisuudha; sun waan inni gara shirkiitti geessuuf jecha.
2. Wanti Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan

irratti haa buusu- irraa sodaachisan dhugumatti ummata kana keessatti argamee jira, gareen wohii ergamaatti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas hojjatte, gareen wohii immoo Ahlal baytiitti hojjatte, gareen biroo immoo woliyyootatti sana hojjatte, kanaan shirkii keessa galan.

3. Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumaan akka garbicha Rabbii ta'etti of ibsan; isaan akka garbicha Rabbiif guddifame kan waan dhuunfaa Rabbii irraa waa tokkolleen isaanif kennamuun hin taane ta'uu ifa galchuuf jecha.
4. Rasuulli Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka ergamaa Rabbii ta'an of ibsan; isaan dhugumaan ergamaa Rabbiin biraa ergame kan dhugoomsuu fi hordofuun isaa dirqama ta'e ta'uu ibsuuf jecha.

(3406)

(14) – عن أنس رضي الله عنه قال: قال النَّبيُّ صلى الله عليه وسلم: «لَا يُؤْمِنُ أَحَدُكُمْ حَتَّى أَكُونَ أَحَبَّ إِلَيْهِ مِنْ وَالِدِهِ وَوَلَدِهِ وَالنَّاسِ أَجْمَعِينَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(14) – Anas irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Tokkoon keessan hin amanu hanga ani haadhaa fi abbaa isaa, ilma isaa fi namoota hunda irra isa biratti irra jaallatamaa ta'utti». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa

buusu- muslimni tokko hanga jaalala haadha isaa, abbaa isaa, ilma isaa, intala isaa fi namoota hunda irra jaalala ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dursutti iimaanni isaa guutuu akka hin taane nuuf himani, jaalalli kun isaaniin buluu, isaaniif tumsuu fi badii dhiisuu murteessiti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jaallachuu fi jaalala uumama hundaa irra isa dursuun dirqama ta'uu isaa.
2. mallattoo jaalalli isaaniif qabanu guutuu ta'uu isaa irraa: sunnaa ergamaa Rabbiitiif tumsuu fi sana irratti lubbuu fi qabeenya aarssa gochuudha.
3. jaalalli ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan isaan ajajan keessatti isaaniin buluu, waan isaan himan keessatti isaan dhugeessuu, waan isaan irraa dhoorgan irraa fagaachuu fi waan haarawa dhiisanii isaan hordofuu murteessa.
4. haqni nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haqa namoota hundaa irra jabaa fi murteessaadha; jallina irraa qajeelumattti dhufuu keenyaa fi ibidda irraa najaa baanee jannata seenuuf sababaa waan ta'aniif jecha.

(5953)

(15) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «دَعُونِي مَا تَرَكْتُكُمْ، إِنَّمَا هَلَكَ مَنْ كَانَ قَبْلَكُمْ بِسُؤَالِهِمْ وَاخْتِلَافِهِمْ عَلَى أَنْبِيَائِهِمْ، فَإِذَا نَهَيْتُكُمْ عَنْ شَيْءٍ فَاجْتَنِبُوهُ، وَإِذَا أَمَرْتُكُمْ بِأَمْرٍ فَأْتُوا مِنْهُ مَا اسْتَطَعْتُمْ». [صحيح] - [متفق عليه]

(15) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Hanga ani isin dhiisetti na dhiisaa, warra isin dura darban wanti balleesse, gaaffii isaanii fi Anbiyoota isaanii irratti wal dhabuu isaaniti, Kanaaf yeroon ani waan tokko irraa isin dhoorge irraa fagaadhaa, yeroon ani waan tokkotti isin ajaje waan irraa dandeessan hojjedhaa». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- murtiin shari'aa bakka sadiitti akka qoodamu ibsan: waan irraa callifame, wantoota irraa dhoorgaan godhamee fi waan itti ajajameedha.

Kan jalqabaa immoo: waan Shari’aan irraa callise: murtiin itti hin dhufne, Bu'uurri wantoota keessatti dirqamni jiraachuu dhabuudha; Yeroo Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- jiran keessatti wanta hin argamin irraa gaafachuu dhiisuun dirqama ta'a; sababni isaas dirqamni ykn dhoorgaan itti bu'uu sodaaf jecha, Rabbiin gabroota isaatif rahmata godhuuf waan dhiisef jecha. Du'a isaanii booda ammoo -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaaffiin bifa fatwaatiin ykn dhimma amantii ilaalchisee waan isa barbaachisu bifa barnootatiin yoo ta'e inni eeyyamamaadha dabrees itti ajajamaadha. Yoo bifa mata jabinaafi dhiibbaatiin ta’e, inni isa hadiisa kana keessatti irraa gaafachuu dhiisutti ajajni godhameedha; sababni isaas fakkaataa waan ummata banii Israa'iil mudatetti geessuun isaa waan maluuf jecha, Yeroo sa'aa (Horii) akka qalan ajajaman osoo horii kamiyyuu qalanii ajajni irraa bu'a ture, garuu isaan ofirratti jabeessinaan irratti jabeeffame.

Lammaffaan: Dhoorgaalee; isheenis: waan namni isa dalaguu dhiise mindaa itti argatu, kan namni isa dalage ammoo itti adabamuudha, kanaafuu hunda ishee irraa fagaachuun dirqama ta'a.

Sadaffaan: Ajajoota; Innis waan namni isa hojjate itti mindeeffamu, kan dhiise immoo itti adabamuu dha, kanaafuu hamma danda'ametti ajajoota raawwachuun dirqama ta'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Waan baay'ee barbaachisaa ta'etti xiyyeeffachuun, ammaaf waan haajaan itti hin jirre dhiisuu fi waan hin argamin tokko irraa gaafachuu dhiisuun barbaachisaa dha.
2. Gaaffii gara walxaxiinsa dhimmootatti geessuu danda'uu fi balbala shakkii walii galtee dhabuu hedduutti nama geessu banuun dhoorgaa ta'uudha.
3. Waan dhoorgame hunda dhiisutti ajajuudha; sababni isaas isa dhiisuu keessatti rakkinni waan hin jirreef jecha, kanaaf akka walii galatti irraa dhoorguun godhame.
4. Hamma danda'ametti waan itti ajajame raawwachuutti ajajuudha; Sababni isaas itti ulfaachuu danda'a ykn irraa dadhabuutu mala waan ta'eef jecha; Kanaaf hamma danda'ameen itti hojjechuutti ajajame.
5. Gaaffii baay'isuun dhoorgaa tahuudha, Ulamaa'in dhugumatti gaaffiilee bakka lamatti qoodaniiru: Tokkoffaan: Dhimma amantii ilaalchisee waan barbaachisaa ta'e bifa barnootaatiin gaafachuu yoo ta'u, kuni itti ajajamaadha, gaaffiileen sahaabotaa gosa kana irraayi. Inni lammaffaa: gaaffiilee bifa mataa jabinaafi itti of dirqanii gaafataniidha, kuni isa irraa dhoorgameedha.

6. Ummata kana akka ummata isaan dura darbanitti argametti Nabiyyii isaanii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akka hin faallessine akeekkachiisuudha.
7. Waa'ee waan hin barbaachifnee baay'ee gaafachuu fi anbiyoota irratti walii galuu dhabuun sababaa badiinsaati, keessattuu dhimmoota itti gayuun hin mijjanne kan akka: dhimma wanta hin mul'annee kan Rabbiin qofti beekuu fi haalawwan Guyyaa Qiyaamaa.
8. Dhimmoota rakkisoo ta'an irraa gaafachuu dhoorguudha, Awzaa'iin akkas jedha: Rabbiin garbicha isaa barakaa beekumsaa dhoorguu yoo barbaade dogongora arraba isaa irratti darbata, Beekumsaan irra xiqqaa namootaa ta'uun dhugumatti isaan arge. Ibnu Wahab ammoo akkas jedha: Imaamu Maalikii akkas jedhuun dhagahe: Beekumsa keessatti falmuun ifa beekumsaatin qalbii namichaa irraa deema.

(4295)

(16) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما أَنَّ النَّبِيَّ صلى الله عليه وسلم قال: «بَلِّغُوا عَنِّي وَلَوْ آيَةً، وَحَدِّثُوا عَنْ بَنِي إِسْرَائِيلَ وَلَا حَرَجَ، وَمَنْ كَذَبَ عَلَيَّ مُتَعَمِّدًا فَلْيَتَبَوَّأْ مَقْعَدَهُ مِنَ النَّارِ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(16) – Abdullaah ilma Amrii irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- dhugumaan Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Aayaa tokkollee taatu ana irraa geessaa, ilmaan israa'iil irraas odeessaa badii hin qabuutii, namni beekaa ana irratti sobe ibidda keessatti teessuma isaa haa mijjeeffatu". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- beekumsa Qur'aanaa yookaan Hadiisaa isaan irraa geessuutti ajajan, osoodhuma wantichi geeffamu muraasa ta'ellee, akka Aayaa Qur'aanaa takkaa, yookaan Hadiisa tokkooti, ulaagaa waan geessuu fi itti waamu sana beekuutiin. Eegasii banii israa'iil irraa taatewwan isaan mudatte kan shari'aa keenya hin faallessine yoo ta'e odeessuun rakkoo akka hin qabne ifa galchan. Eegasii isaan irratti sobuu irraa sodachisan, namni beekaa isaan irratti sobe lubbuu isaatiif ibidda keessatti mana haa godhatu jedhan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Shari'aa Rabbii geessuutti kakaasuu, namni waan haffazee fi hubate osoo xiqqoollee ta'ee geessuutu isa irra jiraadha.
2. Beekumsa shari'aa barbaaduun dirqama ta'uudha, Rabbiin gabbaruu fi shari'aa isaa haala sirriitiin geessuu akka danda'anuuf jecha
3. Sirrummaa Hadiisa kamiiyyuu isa geessuu yookaan raabsuun duratti mirkaneeffachuun dirqama ta'uudha, akka sodaachisa jabaa kana keessa hin seenne of eeguuf jecha.
4. Haasaa keessatti dhugaa dubbachuu fi Hadiisa odeessuu keessatti of eeggannoo gochuutti kakaasuudha, akka sobatti hin galleef jecha, keessattuu shari'aa Rabbii ol ta'ee keessatti.

(3686)

(17) – عن المقدام بن معدِيْكَرِب رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «أَلَا هَلْ عَسَى رَجُلٌ يَبْلُغُهُ الْحَدِيثُ عَنِّي وَهُوَ مُتَّكِئٌ عَلَى أَرِيكَتِهِ فَيَقُولُ: بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ كِتَابُ اللهِ، فَمَا وَجَدْنَا فِيهِ حَلَالًا اسْتَحْلَلْنَاهُ، وَمَا وَجَدْنَا فِيهِ حَرَامًا حَرَّمْنَاهُ، وَإِنَّ مَا حَرَّمَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَمَا حَرَّمَ اللهُ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وابن ماجه]

(17) – Miqdaam ilma Ma'adii karib irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Dhaga'aa! nama wohii osoo inni siree isaa irra hirkatee jiruu hadiisni ana irraa isa qaqqabee jennaan, akkas jedha: gidduu keenyaa fi gidduu keessanitti kitaabni Rabbii jira, waan isa keessatti halaala ta'ee argine halaala godhanna, waan isa keessatti haraama ta'ee argine haraama godhanna, dhugumatti wanti ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- haraama godhe akkuma waan Rabbiin haraama godheeti". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Ibnu Maajaatu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti yeroon nama irraa gosti wohii taa'ee akkas jedhu dhihaate jedhan, tokkoon isaanii siree isaa irratti hirkatee, hadiisni nabiyyii irraa isa gahee jennaan -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedha: kan dhimmoota keessatti gidduu keenyaa fi gidduu keessan adda baasu Qur'aana kabajamaadha, inni nuuf gaha, halaala irraa waan isa keessatti agarre isatti hojjana, haraama irraa waan isa keessatti agarre isa

irraa fagaanna. Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- hundi wanti isaan haraama godhanii yookaan hadiisa isaanii keessatti irraa dhoorganii inni murtoo keessatti akkuma waan Rabbiin Qur'aana Isaa keessatti haraama godhee akka ta'e ifa galchan, waan isaan dhugumatti Rabbii isaanii irraa kan geessan ta'niif jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Akkuma Qur'aanni guddifamutti Hadiisnis guddifamee ittiis hojjatamuudha qabaadha.
2. Rasuulaan buluun Rabbiin buluudha, akkasumas isaan faalleessuun Rabbii ol ta'e faalleessuudha.
3. Hadiisni ragaa ta'uun isaa ragga'uu fi nama hadiisa deebisu yookaan mormu irratti deebisuudha.
4. Namni hadiisa irraa garagalee qur'aana irratti gabaabbachuu himate inni jara lameenuu irraa bakkatti garagalee jira, himannaa isaa kan qur'aanan hordofa jedhe keessattis kijibeera.
5. Waan nabiyyummaa isaaniitti akeekuu keessaa -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan tokko irraa fulduratti dhugumatti ni argama jedhanii himuudha, akkuma isaan himanittis argamee jira.

(65005)

(18) – عن عائشة أم المؤمنين وعبد الله بن عباس رضي الله عنهما قالَا: لَمَّا نَزَلَ بِرَسُولِ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ طَفِقَ يَطْرَحُ خَمِيصَةً لَهُ عَلَى وَجْهِهِ، فَإِذَا اغْتَمَّ بِهَا كَشَفَهَا عَنْ وَجْهِهِ، فَقَالَ وَهُوَ كَذَلِكَ: «لَعْنَةُ اللَّهِ عَلَى اليَهُودِ وَالنَّصَارَى، اتَّخَذُوا قُبُورَ أَنْبِيَائِهِمْ مَسَاجِدَ» يُحَذِّرُ مَا صَنَعُوا. [صحيح] - [متفق عليه]

(18) – Aa'ishaa fi Abdullaah bin Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkana jedhan: Gaafa Ergamaa Rabbiitti -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- duuti dhufte, uffata isaanii wahii fuula ofii irratti darbachuu eegalan, yeroo isiin ukkaamaman fuula isaanii irraa isii saaqu, utuu kana keessa jiranuu akkana jedhan: "Abaarsi Rabbii Yahuudootaa fi Kiristaanota irratti haa ta'u, qabrii nabiyyoota isaanii bakka itti salaatan godhatan" dalagaa isaanii irraa akeekachiisa kennu. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Aa'ishaa fi Ibnu Abbaas, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, gaafa Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- duuti dhufte uffata xiqqaa wahii fuula ofii irratti darbachuu akka eegalanii fi sababaa sakaraata du'aatin yeroo hafuura baafachuun itti jabaate uffata san fuula ofii irraa kan saaqan ta'uu nutti himan, akkasumas utuu rakkoo kana keessa jiranii akkana kan jedhan ta'uus nutti himan: "@Abaarsi Rabbii Yahuudootaa fi Kiristaanota irratti haa ta'u, Rabbiin rahmata Isaa irraa isaan haa fageessu; sababni isaas isaan qabrii nabiyyoota isaanii irratti waan Masjiida ijaaraniif jecha. Osoo hammeenyi dubbii kanaa guddaa ta'uu baatee, rakkoo akkasii keessatti silaa waan kana hin kaasan ture, kanaaf Rasuulli -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatuu- ummatni isaanii gocha isaanii san akka hin raawwanne dhoorgan; Sababni isaas gocha Yahuudootaa fi Kiristaanotaa irraa waan ta'ee fi karaa gara Rabbii guddatti waan biroo qindeessuutti nama geessu waan ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qabrii nabiyyootaa fi namoota gaggaarii Masjiidota Rabbiif isii keessatti salaatamu akka hin taasifanne dhoorguudha; sababni isaas sun karaa shirkitti nama geessu waan ta'eef jecha.
2. Yaaddoo cimaa Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- tokkichummaa Rabbiitif qabanii fi sodaa cimaa qabrii guddisuu irraa qabaniidha; sababni isaas sun gara shirkitti waan nama geessuf jecha.
3. Yahuudoota, Kiristaanotaa fi namoota dalagaa akka isaanii kan akka qabrii irratti waa ijaaru fi isii masjiida taasifachuudhaa dalagan abaaruun akka danda'amuudha.
4. Qabrii irratti ijaaruun karaa Yahuudotaa fi kiristaanotaa keessaa tokko yoo ta'u, hadiisicha keessa isaanitti fakkaachuu irraa dhoorguutu jira.
5. Qabrii birattii fi isitti gara galanii salaatuun qabrii masjiida taasifachuu irraa lakkaa'amaadha, osoo masjiidni ijaaramuu baatellee.

(3330)

(19) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم: «اللَّهُمَّ لَا تَجْعَلْ قَبْرِي وَثَنًا، لَعَنَ اللهُ قَوْمًا اتَّخَذُوا قُبُورَ أَنْبِيَائِهِمْ مَسَاجِدَ». [صحيح] - [رواه أحمد]

(19) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Yaa Rabbi qabrii koo taabota hin taasisin, Rabbiin ummata qabrii Nabiyyoota isaanii masjiida taasifatan abaaree jira". [sirrii] - [Ahmad tu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Qabrii isaanii akka xaa'ota namoonni isa guddisuu fi sujuuda keessatti isatti garagaluun isa gabbaran akka hin taasifne Rabbiin kadhatan, eegasii akka Rabbiin nama qabrii anbiyootaa masjiida taasifate rahmata isaa irraa fageessee fi ari'e himan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan isii masjiida taasifachuun gara isii gabbbaruu fi isiitti amanuutti nama geessuuf jecha isii masjiida taasifatuu irraa dhoorgan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qabrii Nabiyyootaa fi namoota gaaggaarii keessatti daangaa shari'aa darbuun Rabbii gaditti akka gabbaramtu isii taasisa, kanaafuu karaawwan gara shirkiitti nama geessan irraa eeggachuun dirqama ta'a.
2. Qabrii guddisuu fi gabbaruuf jecha gara isii deemuun hin ta'u, abbaan qabrichaa hanga fedhe Rabbitti yoo dhihaatellee.
3. Qabrii irratti masjiidota ijaaruun haraama ta'uudh.
4. Qabrii biratti salaatuun haraama osoma masjiidni hin ijaaramnelleedhaa, yoo salaata janaazaa isii irratti hin salaatamin ta'e malee.

(3336)

(20) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسولُ اللهِ صلى الله عليه وسلم: «لَا تَجْعَلُوا بُيُوتَكُمْ قُبُورًا، وَلَا تَجْعَلُوا قَبْرِي عِيدًا، وَصَلُّوا عَلَيَّ؛ فَإِنَّ صَلَاتَكُمْ تَبْلُغُنِي حَيْثُ كُنْتُمْ». [حسن] – [رواه أبو داود]

(20) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Manneen keessan qabrii hin taasisinaa, akkasuma qabrii koos iida hin taasifatinaa (kan itti deddeebi'amee ayyaaneffatamu), salawaata narratti buusaa; salawaanni keessan bakkuma jirtanu irraa na qaqqabaa". [hasani] - [Abuu Daawuud tu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- manneen akka qabrii isii keessatti hin salaatamneetti salaata irraa ona taasisuu irraa dhoorgan. Akkasuma qabrii isaanii deddeebi'anii ziyaaruu fi isa biratti akkaataa baratamaa ta'een wolitti qabamuu irraa dhoorganiiru; waan sun karaa shirkiitti nama geessu ta'eef jecha. Akkasuma dachii keessatti iddoo kamittuu rahmataa fi nageenya isaan irratti buusuutti ajajan, dhugumatti sun dhihoos ta'ee fagoo irraa battaluma tokkotti waan isaan qaqqabuufi, kanaafuu qabrii isaanitti deddeebi'uuf dhimmi hin jiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Manneen ibaadaa Rabbii ol ta'ee irraa onsuu irraa dhoorguudha.
2. Qabrii Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ziyaaruuf imaluu irraa dhoorguudha; waan isaan salawaata isaan irratti buusuu ajajanii, sun akka isaan qaqqabus himaniif jecha, galaan kan hidhatamuuf masjiida ziyaaruu fi isa keessatti salaatuu qofaafi.
3. Ziyaaraa qabrii Nabiyyichaa -Rabbiin rahamataa fi

nageenya isaan irrattu haa buusu- iida taasifachuun haraama ta'uudha, Haala addaa ta'eefi yeroo addatti qabame keessatti ziyaaraa isaa irra deddeebi'uun, akkasuma ziyaaraa qabrii hundaayyuu.

4. Yeroo hundaa fi iddoo hundatti rahmataa fi nageenya isaan irratti buusuu karaa gochuun, Karaamaa Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irrattu haa buusu- Rabbii isaanii birratti qaban agarsiisa.
5. Qabrii biratti salaatuu irraa dhoorguun sahaabota biratti waan beeekamaa ta'eef; Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- manneen akka qabrii keessatti hin salaatamnee taasifamuu irraa dhoorgan.

(3350)

(21) – عَنْ عَائِشَةَ أُمِّ المؤمنين رضي الله عنها: أَنَّ أُمَّ سَلَمَةَ ذَكَرَتْ لِرَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَنِيسَةً رَأَتْهَا بِأَرْضِ الْحَبَشَةِ، يُقَالُ لَهَا مَارِيَةُ، فَذَكَرَتْ لَهُ مَا رَأَتْ فِيهَا مِنَ الصُّوَرِ، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أُولَئِكَ قَوْمٌ إِذَا مَاتَ فِيهِمُ الْعَبْدُ الصَّالِحُ، أَوِ الرَّجُلُ الصَّالِحُ، بَنَوْا عَلَى قَبْرِهِ مَسْجِدًا، وَصَوَّرُوا فِيهِ تِلْكَ الصُّوَرَ، أُولَئِكَ شِرَارُ الْخَلْقِ عِنْدَ اللهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(21) – Aa'ishaa Haadha Mu'umintootaa irraa odeeffamee -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu-: Ummu Salaamaan Ergamaa Rabbiitiif -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bataskaana Maariyaa jedhamtu biyya Habashaa keessatti argite dubbatte, suuraa adda addaa irraa waan ishee keessatti argites itti himte. Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: “Isaan sun

ummata yeroo gabrichi gaariin, yookaan namni gaariin isaan gidduutti du’e qabrii isaa irratti masjiida ijaaranii, suuraalee sana isa keessa kaayani, warri sun Rabbiin biratti irra badoo uumamaati”. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Haati Mu'umintootaa Ummu Salaamaan -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu- Rasuulaaf -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni himte isheen yeroo biyya Habashaa turtetti, bataskaana - Maariyaa jedhamtu - kan ishee keessatti suuraaleen, faayaa fi fakkiiwwan adda addaa jiran argitee turte isaaniitti himte; sana baay'ee ajaa'ibsiifatuuf jecha! Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sababoota fakkiiwwan kanneen kaa’aniif ibsaniiru. Akkas jedhaniin: Isaan sun isaan keessaa namni gaariin tokko yoo du’e qabrii isaa irratti masjiida itti salaatan ijaaru, suuraalee sanas ni tolchu, Namni waan akkasii hojjatu Rabbii ol ta'e biratti irra badaa uumamaa akka ta'ees ibsaniiru; Sababni isaas gochi isaa gara Rabbii ol ta'etti waan biroo qindeessutti waan nama geessuuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sababoota shirkii ugguruuf jecha qabrii irratti masjiida ijaaruun, yookaan ishee biratti salaatuun, yookaan masjiida keessatti nama du'e awwaaluun haraama ta'uudha.
2. Masjiidota qabrii irratti ijaaruu fi fakkiiwwan isa keessa kaa’uun hojii yahuudaa fi kiristaanotaa yoo ta’u, namni kana godhu isaanitti fakkaateera.
3. Fakkii wantoota lubbuu qabanii godhachuun haraama

ta'uudha.

4. Namni qabrii irratti masjiida ijaaree fakkii keessa kaa'e inni irra badaa uumama Rabbii ol ta'eeti.
5. Karoowwan shirkitti nama geessuu danda'an cufuudhaan eegumsa guutuu ta'e kan shari'aan tawhiidaaf gooteedha.
6. Namoota gaggaarii keessatti daangaa dabruu irraa dhoorguudha; sababni isaas shirkii keessatti argamutti waan nama geessuuf jecha.

(10887)

(22) – عن جندب رضي الله عنه قال: سَمِعْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَبْلَ أَنْ يَمُوتَ بِخَمْسٍ وَهُوَ يَقُولُ «إِنِّي أَبْرَأُ إِلَى اللهِ أَنْ يَكُونَ لِي مِنْكُمْ خَلِيلٌ فَإِنَّ اللهَ تَعَالَى قَدِ اتَّخَذَنِي خَلِيلًا كَمَا اتَّخَذَ إِبْرَاهِيمَ خَلِيلًا، وَلَوْ كُنْتُ مُتَّخِذًا مِنْ أُمَّتِي خَلِيلًا لَاتَّخَذْتُ أَبَا بَكْرٍ خَلِيلًا! أَلَا وَإِنَّ مَنْ كَانَ قَبْلَكُمْ كَانُوا يَتَّخِذُونَ قُبُورَ أَنْبِيَائِهِمْ وَصَالِحِيهِمْ مَسَاجِدَ، أَلَا فَلَا تَتَّخِذُوا الْقُبُورَ مَسَاجِدَ! إِنِّي أَنْهَاكُمْ عَنْ ذَلِكَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(22) – Jundub irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Osoo hin du'iniin duratti guyyaa shaniin Nabiyyiidhaa akkas jedhuun dhagahe: "Ani gara Rabbiittan of qulqulleessa isin irraa jaalalleen anaaf ta'uu irraa, dhugumatti Rabbiin ol ta'e jaalallee na taasifatee jira, akkuma ibraahimiin jaalallee taasifatetti, osoon kan ummata koo irraa jaalallee taasifadhu ta'ee silaa Abuu Bakiriinan jaalallee taasifadha, dhagahaa! worroonni isiniin dura turan qabrii nabiyyootaa fi gaggaarotaa isaanii masjiidota taasifataa turan, dhagahaa! qabriiwwan masjiidota hin taasifatinaa, ani sana irraan isin dhoorga". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- sadarkaa isaanii kan Rabbiin biratti qaban irraa dubbatan, isiin dhugumatti irra olaanaa sadarkaa jaalalaa irra geesse, akkuma Ibraahiim isii argatee jirutti -nageenyi isa irratti haa jiraatu- kanaaf Rabbiin malee jaalalleen biraa isaanif ta'uu morman; waan qalbiin isaanii jaalala Rabbii ol ta'ee, Isa guddisuu fi Isa beekuun guutameef jecha, Rabbiin malee waan jiruuf eenyuufuu bal'achuu hin danda'u. Osoo uumamtoota irraa jaalalleen kan isaanif ta'u ta'ee silaa Abuu Bakir Assiddiiqtu ta'aaf ture -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Eegasii jaalala keessatti daangaa eeyyamame darbuu irraa sodaachisan, akka yahuudaannii fi nasaaraan qabrii nabiyyootaa fi gaggaarotaa isaaniitti hojjatanitti, hanga gooftota shariika Rabbii gaditti gabbaraman taasifatanitti, qabrii isaanii irratti masjiidotaa fi bakka gabbartii ijaaran, ummata isaanii fakkaataa hojii jira kanaa hojjatuu irraa dhoorgan, Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa Abuu Bakir Assiddiiq -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- qabuudha, inni dugumatti irra caalaa sahaabotaa fi booda du'a Rasuulaatiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- bakka bu'ummaaf irra haqa godhataa namootaa ta'uu.
2. Qabrii irratti masjiiidota ijaaruun badiiwwan ummatoota dura darbanii irraa ta'uu.
3. Qabrii iddoo ibaadaa taasifatanii isii biratti salaatamuun, yookaan gara isitti salaatamuun dhoorgaa ta'uu,

akkasumas isii irratti masjiidoonni ijaaramuu, ykn qubbaawwan ijaaramuun dhoorgaa ta'uudha, sababaa sanaatiif shirkii keessa seenuu sodaaf jecha.

4. Namoota gaggaarii keessatti daangaa darbuun waan gara shirkitti nama geessuuf jecha isarraa sodaachisuudha.
5. Hammeenya waan Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- irraa sodaachisanii, akkuma du'a isaanitiin dura halkan shaniin gadi jabeessanii himanitti.

(3347)

(23) – عن أبي الهيَّاج الأسدي قال: قَالَ لِي عَلِيُّ بْنُ أَبِي طَالِبٍ: أَلَا أَبْعَثُكَ عَلَى مَا بَعَثَنِي عَلَيْهِ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ؟ أَنْ لَا تَدَعَ تِمْثَالًا إِلَّا طَمَسْتَهُ، وَلَا قَبْرًا مُشْرِفًا إِلَّا سَوَّيْتَهُ. [صحيح] - [رواه مسلم]

(23) – Abuul Hayyaaj Al-Asadii irraa akka odeeffametti ni jedhe: Aliyyii ibnu Abii Xaalib akkas naan jedhe: waan ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ittiin na erganiin si erguu? siidaa kamuu isa dhabamsiiftu malee akka isa hin dhiifne, qabrii ol ka'ee mul'atu kamuu wol qixxeessitu malee akka hin dhiifne. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sahaabota isaanii siidaa kamuu -inni suuraa waan lubbuu qabuu kan bifa qaamaatiin bocame yookaan kan hin bocamneedha- isa dhabamsiisanu malee yookaan isa haqanu malee akka hin dhiifneetti ergaa turani.

Akkasuma qabrii ol ka'aa kamuu dachiin wol qixxeessanii, ijaarsa isa irra jiru diigan malee akka hin dhiifne, yookaan immoo diriiraa dachii irraa hedduu ol hin fuudhamne taasisan malee akka hin dhiifne, hanga taakkuu tokkoo ol fuudhama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. waan lubbuu qabu suuraa kaasuun haraama ta'uu isaa; karaa shirkiitti qaqqabsiisu irraa waan ta'eef.
2. nama aangoo qabuuf yookaan humna itti qabuuf harkaan badii deebisuun karaa godhamuu isaa.
3. suuraa, siidaa fi ijaarsa qabrii irraa fi hunda waan hambaa jaahiliyyaatti akeeku dhabamsiisuuf bolola nabiyyiin qabanuudha, Raabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu.

(5934)

(24) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بْنِ مَسعودٍ رضي الله عنه عن رَسولِ اللهِ صلى الله عليه وسلم قال: «الطِّيَرَةُ شِرْكٌ، الطِّيَرَةُ شِرْكٌ، الطِّيَرَةُ شِرْكٌ، -ثَلَاثًا-»، وَمَا مِنَّا إِلَّا، وَلَكِنَّ اللهَ عَزَّ وَجَلَّ يُذْهِبُهُ بِالتَّوَكُّلِ. [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وابن ماجه وأحمد]

(24) – Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Faana ilaallachuun (hoodannaan) shirkiidha, Faana ilaallachuun shirkiidha, Faana ilaallachuun shirkiidha, -yeroo sadii akkas jedhan-", Nurraa namni tokkolleen kan wanti sun qalbii isaa keessatti hin argamin hin jiru, garuu Rabbiin guddate tawakkulaan sana nurraa adeemsisa. [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmad tu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- faana ilaallachuu irraa akeekkachiisan, isheen simbirroo ykn wantoota lubbuu qaban ykn namoota qaama miidhamtoota ykn lakkoofsa ykn goyyoota ykn waan biroo irraa ta'ee waan dhaga'amu ykn mul'atu hunda irraa faana ilaallachuudha, Simbirroo wanni dubbataniif inni warra jaahiliyyaa biratti beekamaa waan ta'eef jecha, Ka'umsi isaa gocha akka imalaa ykn daldalaa ykn wantoota biroo eegaluuf yeroo jedhan simbirroo oofuudha, simbirroon sun yoo gara mirgaatti balali'e gaariitti yaadee waan gochuu barbaade itti fufa, gara bitaatti yoo balali'e immoo waan hamaatti yaadee gocha isaa irraa dhaabbata. Gochi kun shirkii akka ta'es himaniiru, faana ilaallachuun shirkii wanni ta'eef; kheyrii fidee hamtuu kan deebisu Rabbii tokkicha shariika hin qabne qofa waan ta'eef jecha.

Ibnu Mas'uud -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- faana ilaallachuun yeroo tokko tokko qalbii Muslimaa keessatti akka argamu eereera, garuu sababowwan hojjachuu waliin Rabbirratti hirkachuun of irraa deebisuun akka isa irra jirus eereera.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Faana ilaallachuun shirkiidha; Sababni isaas waan Rabbiin malee jirutti qalbiin rarra'uun waan isa keessa jiruuf jecha.
2. Akka isaan kunuunfamanii fi qalbii keessatti ragga'aniif jecha dhimmoota barbaachisoo ta'an irra deddeebi'uun barbaachisaa ta'uudha.

3. Rabbii ol ta'e irratti hirkachuun faana ilaallachuu nama irraa dhabamsiisa.
4. Rabbiin qofa irratti hirkachuu fi rarra'iinsi qalbii Isa qofaatti akka ta'u ajajuudha.

(3383)

(25) – عن عمران بن حصين رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «لَيْسَ مِنَّا مَنْ تَطَيَّرَ أَوْ تُطُيِّرَ لَهُ، أَوْ تَكَهَّنَ أَوْ تُكُهِّنَ لَهُ، أَوْ سَحَرَ أَوْ سُحِرَ لَهُ، وَمَنْ عَقَدَ عُقْدَةً، وَمَنْ أَتَى كَاهِنًا فَصَدَّقَهُ بِمَا يَقُولُ فَقَدْ كَفَرَ بِمَا أُنْزِلَ عَلَى مُحَمَّدٍ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ». [حسن] - [رواه البزار]

(25) – Imraan ibnu Husayn irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni milkii ilaallate yookaan ilaalchifate, yookaan raage yookaan raagameef, yookaan falfale yookaan falfalameef nurraayyii miti namni hirzii hidhe, akkasuma namni raagaa bira dhaqee waan inni jedhu isa dhugeesse dhugaatti waan Muhammadiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti bu'etti kafareera». [hasani] - [Bazzaartu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanii irraa nama hojii garii hojjate: "nurraayyii miti" jechuun sodaachisani, sana keessaa:

Inni jalqabaa: "nama milkii ilaallate yookaan nama milkiin ilaalameef" bu'uurri isaa imalas ta'u yookaan daldalas ta'u yookaan kan biroos ta'u hojii wohii yeroo eegaluu jedhanitti allaattii gadhiisuudha, karaa mirgaa yoo barrise abdii godhatee

waan barbaadu san itti fufa, yoo karaa bitaa barrise immoo milkiin hin jiru jedhee abdii muratee waan barbaadu sana dhiisa, gocha akkasii kana ofiif hojjachuun hin ta'u yookaan nama isaaf hojjatus godhachuun hin ta'u, akkasuma allaattiwwaniin yookaan bineensotaan yookaan qaama miidhamtootaan yookaan lakkoofsaan yookaan guyyaadhaan yookaan waan biraatiin waanuma ta'e haa ta'u kan dhaga'amus ta'ee yookaan kan argamus ta'ee ittiin abdii murachuun hin ta'u.

Inni lammaffaan: "nama raage yookaan raagameefi" urjiiwwanii fi kanneen biroo fayyadamuun namni beekumsa fagoon beeka jedhee himate, yookaan raagaa fi kan isa fakkatan gara nama beekumsa waan fagoo himatutti dhufee, beekumsa fagoo himachuu isaatiif waan inni jedhu isa dhugeesse, dhugaatti waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti bu'etti kafare.

Sadaffaan: "nama falfala hojjate yookaan falfalli hojjatameefi" inni nama ofii isaatiif falfala hojjatate, yookaan nama falfala isaaf hoojjatu kan godhatedha; nama wohii ittiin fayyaduuf yookaan isa miidhuuf jecha, yookaan maganfannaa haraama ta'e irratti qara'uu fi isa keessatti tuttufuun haadaa fi falfala irraa hirzii hidhe.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rabbi irratti hirkachuu fi murtoo isaatti amanuun dirqama ta'uu isaa, akkasuma milkii ilaallachuu, abdii murannaa, falfallii fi raagni, yookaan namoota waan kana hojjatan sana gaafchuun haraama ta'uu isaa.
2. beekumsa waan fagoo himachuun shirkii tawhiida falleessu irraati.

3. raagaa dhugeessuu fi isa bira deemuun haraama ta'uu isaa, ganaa qara'uu, siinii qara'uu fi urjiiwwan ilaaluunis waan isaa baruuf jecha yoo ta'ellee sanuma irraa lakkaawama.
(5981)

(26) – عَنْ أَنَسِ بْنِ مَالِكٍ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَا عَدْوَى، وَلَا طِيَرَةَ، وَيُعْجِبُنِي الْفَأْلُ» قَالَ قِيلَ: وَمَا الْفَأْلُ؟ قَالَ: «الْكَلِمَةُ الطَّيِّبَةُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(26) – Anas bin Maalik irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, akkas jedhan: “Dhukkubni eeyyama Rabbitiin malee ofiin hin darbu, hooddannaan hin jiru, fa’alii (jecha gaarii) immoo nan jaalladha” (Sahaabonnis) fa’aliin maali jedhanii gaafatan? isaanis ni jedhani: “fa’aliin jecha gaarii isin dhageessanu”. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, daddarbiinsa dhukkubaa kan ummanni bara Awaamummaa dhukkubni tokko fedha Rabbiitin osoo hin taane ofumaan gara nama biraatti akka daddarbu itti amanan sun soba ta’uu himani. Akkasumas Faana ilaallachuun soba akka ta'ees himaniiru, isheenis simbirroo, ykn wantoota lubbuu qaban, ykn namoota qaama miidhamtoota, ykn lakkoofsa, ykn guyyoota, ykn waan biraa irraa ta'ee waan dhaga'amu ykn mul'atu ta'us wahuma kamiinuu hoddachuudha. Ąs irratti wanti simbirroo kaaseef, warra bara Awaamummaa biratti beekamaa waan ta'eef jecha, ka’umsi isaa immoo gocha akka imalaa ykn daldalaa ykn waan biraa yeroo

jalqabuu jedhan simbirroo oofuudha. Yoo gara mirgaatti balali'e abdii guddaa horatee gara waan barbaaduu deema, yoo gara bitaatti balali'e immoo abdii kutatee waan hojjachuu fedhu san dhiisa. Eegasii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- tafaa'ula toluun akka itti tolu dubbatan. Innis gammachuu jecha gaarii dhaga'u irraa ilma namaatif argamu, yoo ta'u, Rabbii isaa waan gaariin akka yaadu isa taasisa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rabbii ol ta'e irratti hirkachuun akka dirqama ta'ee fi Rabbiin malee kan gaarii fidee hamtuu deebisu akka hin jerreedha.
2. Faana ilaallachuu irraa dhoorguudha, innis waan abdii kutannaa namatti fiduu fi hojii nama dhorguudha.
3. Tafaa'ula toluun faana ilaallachuu dhoorgamaa ta'e irraa osoo hin taane, inni Rabbii ol ta'etti yaada toluu irraa akka ta'eedha.
4. Wanti hundinuu kan ta'u murtoo Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne qofaani.

(3422)

(27) – عَنْ زَيْدِ بْنِ خَالِدٍ الجُهَنِيِّ رضي الله عنه أَنَّهُ قَالَ: صَلَّى لَنَا رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ صَلَاةَ الصُّبْحِ بِالْحُدَيْبِيَةِ عَلَى إِثْرِ سَمَاءٍ كَانَتْ مِنَ اللَّيْلَةِ، فَلَمَّا انْصَرَفَ أَقْبَلَ عَلَى النَّاسِ، فَقَالَ: «هَلْ تَدْرُونَ مَاذَا قَالَ رَبُّكُمْ؟» قَالُوا: اللهُ وَرَسُولُهُ أَعْلَمُ، قَالَ: «أَصْبَحَ مِنْ عِبَادِي مُؤْمِنٌ بِي وَكَافِرٌ، فَأَمَّا مَنْ قَالَ: مُطِرْنَا بِفَضْلِ اللهِ وَرَحْمَتِهِ، فَذَلِكَ مُؤْمِنٌ بِي وَكَافِرٌ بِالْكَوْكَبِ، وَأَمَّا مَنْ قَالَ: بِنَوْءِ كَذَا وَكَذَا، فَذَلِكَ كَافِرٌ بِي وَمُؤْمِنٌ بِالْكَوْكَبِ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(27) – Zaydii ilma Khaalid Al-juhanii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hudaybiyaatti halkan irraa rooba roobee ka'e booda salaata fajrii nuun salaatanii, eega salaata xumaraniin booda namootatti garagaluun akkana jedhan: "Waan Rabbiin keessan jedhe ni beektuu?", namootnis ni jedhan: Rabbumaa fi ergamaa Isaa qofaatu beeka, ergamaanis ni jedhan: "gabroottan koo irraa gariin anatti amanee gariin immoo anatti kafaree bule, namni tola Rabbii fi rahmata Isaatiin roobfamne jedhe inni sun anatti kan amanee fi urjiiwwanitti kan kafareedha, namni sochii urjii akkasii fi akkasiitiin roobfamne jedhe immoo, inni sun anatti kan kafaree fi urjiiwwanitti kan amaneedha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hudaybiyaatti -isiin ganda makkaatti dhihoo taate wahiiti- booda rooba halkan sana roobee ka'eetii salaata subhii salaatanii, Salaamataa baafatanii salaata isaanii erga xumuraniin booda fuula isaanitiin ummatatti garagalanii, akkas jechuuun isaan gaafatan: waan Rabbiin keessan jedhe ni beektuu? Isaanis Rabbumaa fi ergamaa Isaa qofaatu beeka jedhanii deebisaniif, Ni jedhan: Rabbiin ol ta'e namoonni yeroo roobni roobutti bakka lamatti akka qoodaman ifa galche: qooda Rabbii ol ta'etti amanee fi qooda Rabbii ol ta'etti kafareedha; Namni tola Rabbiitii fi rahmata isaatiin roobfamne jedhee, roobinsa roobaa Rabbii ol ta'etti hirkise; inni sun Rabbii uumaa uumama keessatti akk fedhe godhutti amanee urjiiwwanitti kafareera. Namni urjii akkasiitii fi akkasiitiin roobfamne jedhe

immoo; inni sun Rabbitti kan kafaree fi urjiiwwanitti kan amaneedha, inni kufrii xiqoo ta'a buusinsa roobaa urjiiwwanitti waan hirkiseef jecha; Rabbiin shari'aa fi qadaratti sababaa isa godhuu dhabuu wajjiin, Namni roobiinsa roobaa fi taatewwan dachi kan biroo ba'iinsaa fi kufiinsa isii keessatti gara sochiiwwan urjiiwwanitti hirkise haala isiituu dhugaatti hojjataa jira jedhee amanuun, inni kufrii guddaa kafareera.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Booda roobni roobeetii tola Rabbiitii fi rahmata isaatiin roobfamne jechuun jaallatamaa ta'uu isaati.
2. Namni qananii rooba roobsisuu fi kan birooo uumuu fi argamsiisuu keessatti gara urjiiwwaniitti hirkise inni kufrii guddaa kafareera, yoo inni sababaa ta'uu isaatiif hirkise immoo inni kufrii xiqqoo kafareera; waan inni sababaa shari'aan sababaa isa gootee fi sababaa muldhataa hin tahiniif jecha.
3. Qananiin yoo waakkatamte kafaruuf sababaa taati, akkasumas yoo galatoomfatamte iimaanaaf sababaa taati.
4. "Urjii akkasiitiif roobfamne" jechuu irraa dhoorguutu keessa jira, yoo kan yeroon itti yaadaame ta'ellee; karaa shirkii cufuuf jecha dhoorgame.
5. Qananii barbaaduu fi rakkina deebisuu keessatti qalbiin Rabbii ol ta'e irratti rarra'uun dirqama ta'uu isaati.

(65010)

(28) – عَنْ عُقْبَةَ بْنِ عَامِرٍ الْجُهَنِيِّ رضي الله عنه: أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ أَقْبَلَ إِلَيْهِ رَهْطٌ، فَبَايَعَ تِسْعَةً وَأَمْسَكَ عَنْ وَاحِدٍ، فَقَالُوا: يَا رَسُولَ اللهِ، بَايَعْتَ تِسْعَةً

وَتَرَكْتَ هَذَا؟ قَالَ: «إِنَّ عَلَيْهِ تَمِيمَةً»، فَأَدْخَلَ يَدَهُ فَقَطَعَهَا، فَبَايَعَهُ، وَقَالَ: «مَنْ عَلَّقَ تَمِيمَةً فَقَدْ أَشْرَكَ». [حسن] - [رواه أحمد]

(28) – Uqbaa bin Aamir Al-Juhaanii irraa akka odeeffametti, Rabbiin irraa haa jaallatu: Tuutni namootaa takka gara Ergamaa Rabbiitti dhufanii, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, nama sagal ahdii godhanii, nama tokko dhiisanii jennaan, isaanis akkana jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii nama sagal ahdii gootee isa kan dhiistee? Isaanis akkana jedhan: “inni qaxxasa/asmaa qaba”, isaan akkas jennaan namichi harka isaa keessa galchee ishee kute, sana booda Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- isa ahdii godhanii, akkana jedhan: “Namni qaxxasa/asmaa rarraafate shirkii raawwateera”. [hasani] - [Ahmad tu gabaase]

Ibsaa:

Gareen tokko gara Nabiyyitti dhufee, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, lakkoofsi isaanii kudhan ture. Isaan keessaa nama sagal Islaamummaa fi isaan hordofuu irratti ahdii godhanii, kurnaffaa ahdii osoo hin godhin dhiisan, yeroo sababaa sanaa irraa gaafatamanitti -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: Qaxxasa/asmaa qaba, isheenis waan hamaa ykn ija budaa ofirraa ittisuuf jecha callee ykn wantoota biroo irraa mormatti ykn qaamatti hidhamu ykn fannifamuudha. Namichis harka isaa bakka qaxxasaa/asmaa galchee, irraa kutee, ofirraa baase. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo sanatti ahdii isa godhanii, Qaxxasa/asmaa irraa akeekkachiisu fi murtii ishee ibsuuf akkana jedhan: “Namni qaxxasa/asmaa godhate shirkii raawwateera”.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni Rabbiin alatti waan biraatti hirkate Rabbiin faallaa yaada isaa saniin isa ilaala.
2. qaxxasa/asmaa fannifachuun miidhaa fi ija budaa namarraa ittisuu keessatti sababaa ta'a jedhanii yaaduun shirkii xiqqaadha, yoo wanni fannifatan kun ofii isaatii nama fayyada jedhanii yaadan ammoo inni shirkii guddaadha ta'a.

(6762)

(29) – عن عبد الله بن مسعود رضي الله عنه قال: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «إِنَّ الرُّقَى والتَّمائِمَ والتِّوَلَةَ شِرْكٌ». [صحيح] - [رواه أبو داود وابن ماجه وأحمد]

(29) – Abdullaah ilma Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Ruqaaa, hirzii fi jaallachiistuun shirkiidha". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Ibnu Maajaa fi Ahmad tu gabaasasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wantoota isii hojjachuun shirkii irraa lakkaa'amu ibasniiru; isii keessaa:

Tokkoffaan: Ruqaadha: inni haasawa worroonni jaahiliyyaa ittiin dawaa godhatan kan shirkii of keessatti qabatuudha.

Lammaffaan: Masubaa fi kan sana fakkaatu irraa waan rarraafatamu,: ija akka deebistuuf jecha isii ijoollee, horii fi kan biroo irratti fannifamtuudha.

Sadaffaan: Tiwalaadha (jaallachiistuu): isii haadha manaa

fi abbaa manaa wol jaallachiisuuf jecha hojjatamtuudha.

Wontootni tun shirkii irraayi; isiin waan tokko sababa gochuu irraa waan taateef jecha, inni sababa shari'aa kan ragaan ragga'ee miti, akkasumas sababa mul'ataa yaaliin ragga'es miti. Sababoowwan shari'aa kan akka qur'aana qara'uufaa, yookaan sababoowwan mul'atoo ta'an kan akka dawaawwan yaaliin ragga'aniifaa, isiin sababoota irraayi jedhanii amanuu waliin eeyyamamtuudha, dhugumatti fayyaduu fi miidhuun harka Rabbii jira.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Tawhiidaa fi Aqiidaa waan isa hir'isu irraa eeguudha.
2. Ruqaa shirkii irraa ta'e, hirzii fi wol jaallachiistuu fayyadamuun haraama ta'uudha.
3. Wantoota sadan tanneen sababa jedhanii amanuun: isiin shirkii xiqqoodha; waan sababa hin taane sababa taasisuu waan ta'eefi, yoo matuma isiitiif fayyaddis miitis jedhee amane immoo inni shirkii guddaa irraayi.
4. Sababoowwan shirkii fi haraama ta'an hojjachuu irraa sodaachisuudha.
5. Ruqaan waan isii irraa karaa godhameen ala haraama godhamuu isiitii fi dhugumatti isiin shirkii irraa ta'uudha.
6. Qalbiin Rabbii tokkicha qofa irratti rarra'uu qabdi, faaydaa fi miidhaan isuma qofa irraayi, shariikni isaaf hin jiru, Rabbiin malee toltuun hin dhufu, akkasumas Rabbii ol ta'e malee hamtuus kan deebisu hin jiru.
7. Ruqaan eeyyamamtuu taate isii ulaagaa sadii of keessatti qabatteedha: 1- Isiin sababa eeyyama Rabbiitiin malee hin fayyaddu jedhanii amanuudha. 2- Qur'aana, maqoowwan

Rabbiitii fi sifaata Isaatiin, akkasumas du'aa'ii nabiyyii fi du'aa'ii karaa godhameen ta'uudha. 3- sarara sararuu fi gowwomsaa kan of keessatti hin qabannee fi afaan hubatamuun ta'uudha.

(5273)

(30) – عن بعض أزواج النبي صلى الله عليه وسلم عن النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال:

«مَنْ أَتَى عَرَّافًا فَسَأَلَهُ عَنْ شَيْءٍ لَمْ تُقْبَلْ لَهُ صَلَاةٌ أَرْبَعِينَ لَيْلَةً». [صحيح] - [رواه مسلم]

(30) – garii haadholee manaa nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa akka odeeffametti nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni waa himaa bira dhufee waan tokko irraa isa gaafate, salaanni halkan afurtamaa isaaf hin qeebalamu». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waa himtuu bira deemuu irraa sodaachisani -inni maqaa wolii galaa raagduu, nama urjii ilaaluun waa himuu, nama cirracha irratti hundaa'uun raaguu fi kanneen jara fakkaatan biroo, worreen beekumsa fagoo beekuu isaaniitiif haal duree hojjataniin ragaa taasifatanuuti-, waan tokko waan beekumsa fagoo irraa ta'e tokko gaafachuudhuma qofaan Rabbiin mindaa salaata isaa guyyaa afurtamaaf isa dhoorgata; badii fi dilii guddaa kana irratti isa adabuuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Raaguun, nama raagu bira deemuu fi waan beekumsa fagoo irraa isaan gaafachuun haraama ta'uu isaa.

2. ilmi namaa mindaa Rabbiin buluu isaa adabbii badii isaatiif jecha dhorgatamuutu mala.
3. urjiiwwan lakkaa'uu fi isii ilaaluu kan jedhamus hadiisicha keessa seena, akkasuma ganaa fi siinii dubbisuunis -maalummaa isaa baruufillee yoo ta'e-; sun hundi raagaa fi beekumsa fagoo himachuu irraa waan ta'eef jecha.
4. adabbiin nama waa himtuu bira deemuu kana yoo ta'e, mindaan waa himtuu sanii immoo akkam haa ta'u!?
5. salaanni guyyaa afurtamaa dirqamummaa buusuuf ni geessi qadaa isii baasuun dirqama hin ta'u, garuu immoo mindaa hin qabdu.

(5986)

(31) – عن ابْنِ عُمَرَ رضي الله عنهما أنه سَمِعَ رَجُلًا يَقُولُ: لَا وَالْكَعْبَةِ، فَقَالَ ابْنُ عُمَرَ: لَا يُحْلَفُ بِغَيْرِ اللَّهِ، فَإِنِّي سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَنْ حَلَفَ بِغَيْرِ اللهِ فَقَدْ كَفَرَ أَوْ أَشْرَكَ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وأحمد]

(31) – Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- dhugumaan inni namicha tokko kan akkas jedhu dhagahe: ka'abaadhaan kakadhe hin ta'u. ibnu Umaris ni jedhe: waan Rabbiin malee jiruun hin kakatamu, ani Rasuula Rabbiitii akkas jedhan dhagahe -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: "Namni waan Rabbiin malee jiruun kakate dhugumatti kafare, yookaan Rabbitti waan biraa qindeesse". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa

buusu- Namni waan Rabbiin, maqoowwan isaatii fi sifoowwan isaatiin ala jiruun kakate dhugaadhaan akka Rabbitti kafare yookaan akka Rabbitti qindeesse himan; kakuun waan isaan kakatame guddisuutti geessa, guddinni daangaa hin qabne kan Rabbii tokkichaa qofa. Rabbii fi maqoowwan isaatii fi sifoowwan isaatiin malee hin kakatamu -Inni qulqullaa'e-. Kakaan kun shirkii xiqqaa irraayi; garuu yoo namni kakatu waan ittiin kakatu akka Rabbii ol ta'e guddisutti yookaan isaa olitti guddisa ta'e; yeroo sana shirkii guddoo irraa ta'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kakaan guddisuun haqa Rabbii qofa -inni qulqullaa'ee ol ta'e- Rabbii fi maqoowwan isaatii fi sifoowwan isaatiin malee hin kakatamu.
2. Bololii sahaabonni toltuutti ajajuu fi hamtuu irraa dhoorguu irratti qaban agarsiisa, keessattu badichi kufrii yookaan shirkitti kan rarra'u yoo ta'e.

(3359)

(32) – عَنْ أَبِي مُوسَى الأَشْعَرِيِّ رضي الله عنه قَالَ: أَتَيْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِي رَهْطٍ مِنَ الأَشْعَرِيِّينَ أَسْتَحْمِلُهُ، فَقَالَ: «وَاللَّهِ لَا أَحْمِلُكُمْ، مَا عِنْدِي مَا أَحْمِلُكُمْ» ثُمَّ لَبِثْنَا مَا شَاءَ اللَّهُ فَأُتِيَ بِإِبِلٍ، فَأَمَرَ لَنَا بِثَلَاثَةِ ذَوْدٍ، فَلَمَّا انْطَلَقْنَا قَالَ بَعْضُنَا لِبَعْضٍ: لَا يُبَارِكُ اللَّهُ لَنَا، أَتَيْنَا رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ نَسْتَحْمِلُهُ فَحَلَفَ أَنْ لَا يَحْمِلَنَا فَحَمَلَنَا، فَقَالَ أَبُو مُوسَى: فَأَتَيْنَا النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فَذَكَرْنَا ذَلِكَ لَهُ، فَقَالَ: «مَا أَنَا حَمَلْتُكُمْ، بَلِ اللَّهُ حَمَلَكُمْ، إِنِّي وَاللَّهِ -إِنْ شَاءَ اللَّهُ- لَا أَحْلِفُ عَلَى يَمِينٍ، فَأَرَى غَيْرَهَا خَيْرًا مِنْهَا، إِلَّا كَفَّرْتُ عَنْ يَمِينِي، وَأَتَيْتُ الَّذِي هُوَ خَيْرٌ». [صحيح] - [متفق عليه]

(32) – Abuu Muusaa al-ash'arii irra akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: tuuta ash'ariyyoota irraa ta'anii woliin gara jihaadaatti geejjiba akka nuuf godhaniif jecha, gara ergamaa Rabbiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufne, isaanis ni jedhani: «Rabbiinan kakadha isin hin geejjibu, waan ittiin isin geejjibu hin qabu» hanga Rabbiin fedhe eega turree, gaalonni wohii isaaniif fidamee jennaan, gaala sadi nuuf ajajani, erga deemsa eegallee gariin keenya garii keenyan akkas jedhe: Rabbiin barakaa keessa nuuf hin kaa'u, akka nu geejjibaniif jecha ergamaa Rabbiitti dhufnee jennaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- eega isin hin geejjibu jedhanii booda kakataniitii waan nu geejjibaniif jecha. Abuu Muusaanis ni jedhe: gara nabiyyiitti dhufnee waan sana isaanitti himnee jennaan, akkas jedhani: «Anaa miti kan isin geejjibe, Rabbiitu isin geejjibe malee, ani Rabbiinan kakadha -yoo Rabbi jedhe- ani waan wohii irratti kakadhee, wanti biraa irra caalaa ta'uun yoo natti mul'ate, kakaa koo irraa kaffaaraa baasee, isa irra caalaa ta'e raawwadhu malee hin dhiisu». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Abuu Muusaa al-ash'ariin -Rabbi isa irraa haa jaallatu- tuuta gosa isaa irraa ta'anii woliin gara ergamaa Rabbiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka dhufe hima, dhimmi isaanii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaala yaabbatan akka isaaniif keennaniif ture; jihaada irratti hirmaachuu akka danda'aniif jecha, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan ittiin isaan geejjiban waan hin qabneef akka isaan hin geejjibne kakatani, deebi'anii hanga ta'e wohii taa'anii

eegasii nabiyyiidhaaf -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaalonni sadi wohii dhufnaan jaraaf ergani, gariin isaanii garii isaaniitiin akkas jedhani: Rabbiin gaalota nuuf kennaman kanatti barakaa nuuf hin godhu; waan nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isin hin geejjibu jedhanii kakatanii turaniif, eegasii gara isaanitti dhufanii isaan gaafatanii jennaan, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhaniin: kan isin geejjibe Rabbii ol ta'e; isatu qajeelchee kenne waan ta'eef, ani sababaa ta'ee sun harka koo irratti argamuu qofa. eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: ani yoo Rabbi fedhe waan tokko nan hojjadha yookaan nan dhiisa jedhee boodan irratti kakadhee wanti sana malee jiru irra caalaa fi irra gaarii ta'uu yoo natti mul'ate, isa irra caalaa fi irra gaarii ta'e sana hojjadhee kan irratti kakadhe sana immoo dhiisuun, kakaa kootiif kaffaaraa baasu malee hin dhiisu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Si kakachiisuun maletti kakachuun eeyyamamaa ta'uu isaa; oduu mirkaneessuuf jecha yoo kan fuulduratti ta'u ta'ellee.
2. booda kakaatii in shaa Allaah(yoo Rabbi fedhe) jecha jedhuun rarraasuun eeyyamamaa ta'uu isaa, fedhii Rabbiitti rarraasuu kana kakaa woliin yoo niyyatee, kakaadhaan kan wolitti hidhate ta'e, nama kakate irratti kakaa isaatiif kaffaaraan dirqama hin ta'uudha.
3. yoo waan tokko irratti kakatee ka'ee waan biraa kan isa irra caalu arge isa irratti kakate dhiisee isa irra caalaa

hojjachuutti kakaasuutu keessa jira, kakaa isaatiif immoo kaffaaraa baasa.

(2961)

(33) – عَنْ حُذَيْفَةَ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَا تَقُولُوا: مَا شَاءَ اللهُ وَشَاءَ فُلَانٌ، وَلَكِنْ قُولُوا: مَا شَاءَ اللهُ ثُمَّ شَاءَ فُلَانٌ». [صحيح بمجموع طرقه] - [رواه أبو داود والنسائي في الكبرى وأحمد]

(33) – Huzeyfaa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Waan Rabbii fi ebalu fedhe hin jedhinaa, garuu akkana jedhaa: Waan Rabbiin fedhe, eegasii waan ebalu fedhe". [Karaaleen isaa yoo walittiqabame sahiiha] - [Abuu Daawuudtu gabaase, Nasaa'iin kubraa keessatti, fi Ahmadis gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Muslimni tokko haasaa isaa keessatti akkana jechuu irraa dhoorgan: “Waan Rabbii fi ebalu fedhe", Yookaan Waan Rabbii fi ati feete; Sababni isaas fedhiin Rabbii guutuu namni tokkolleen Isa waliin hin qooddanne waan ta'eef jecha. Qubee “waaw” fayyadamuun namni biraa Rabbiin waliin qooda qabaachuu fi walqixxummaan akka gidduu isaan lameenitti jiru agarsiisa. Garuu akkas haa jedhu: waan Rabbiin fedhe, eegasii ebalu fedhe, "Fi" fayyadamuu dhiisee "eegasii" jechaa fayyadamuun Fedhiin gabrichaa fedhii Rabbii jala kan deemtu taasisuudha qaba; sababni isaas "eegasii" jechuun wanni booda irra dhufu waan dura dabre irraa xiqqoo turee dhufuu waan fayyadduuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. “Waan Rabbii fi ati feete” jechuu fi jechoota irraa waan isa keessa "fi"dhaan waan biraa Rabbitti hidhuun jiru fayyadamuun dhoorgaa ta'uudha; sababni isaas inni waan shirkii dubbiiwwanii fi jechootaa irraa ta'eef jecha.
2. Akkana jechuun ni danda'amaadha: "Waan Rabbiin fedhe, Eegasii waan ati feete", akkasumas waan isa keessa waan biraa "eegasii" jechuun Rabbitti hidhuun jiru irraa wanni sana fakkaatu ni danda'amaadha; sababni isaas isa keessa wanni sodaatamu waan hin jerreef jecha.
3. Fedhii Rabbii fi gabrichaaf mirkaneessuu fi fedhiin gabrichaa fedhii Rabbii ol ta'ee jala deemtuu akka taate ibsuudha.
4. Osoo jechaanilleen taatee Fedhii Rabbii keessatti uumama qindeessuu irraa dhooguudha.
5. Namichi yeroo dubbatu Bal'inaa fi guutummina keessatti fedhiin gabrichaa akka fedhii Rabbii ol ta'eeti jedhee kan yaadu yoo ta'e, yookaan gabrichaaf fedhii of danda'eetu jiraa yoo yaade inni shirkii guddaadha, yoo isaa gadi jedhee kan yaadu ta'e immoo inni Shirkii xiqqaadha.

(3352)

(34) – عَنْ مَحْمُودِ بْنِ لَبِيدٍ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِنَّ أَخْوَفَ مَا أَخَافُ عَلَيْكُمُ الشِّرْكُ الْأَصْغَرُ» قَالُوا: وَمَا الشِّرْكُ الْأَصْغَرُ يَا رَسُولَ اللهِ؟ قَالَ: «الرِّيَاءُ، يَقُولُ اللهُ عز وجل لَهُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ إِذَا جُزِيَ النَّاسُ بِأَعْمَالِهِمْ: اذْهَبُوا إِلَى الَّذِينَ كُنْتُمْ تُرَاؤُونَ فِي الدُّنْيَا، فَانْظُرُوا هَلْ تَجِدُونَ عِنْدَهُمْ جَزَاءً؟». [حسن] - [رواه أحمد]

(34) – Mahmuud bin Labiid irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: Dhugumatti wanti ani isiniif baay'ee sodaadhu shirkii xiqqaadha". Isaanis ni jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii shirkii xiqqaan maali? Isaanis ni jedhan: "na argiidha, Rabbiin ol ta'e Guyyaa Qiyaamaa, yeroo namoonni hojiilee isaanitiif mindaa argatanitti akkana jedha: Gara warra dur addunyaa keessatti argisiifataa turtanii deematii mindaa akka isaan biraa argattan mee ilaalaa". [hasani] - [Ahmad tu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanitiif wanti akkaan sodaatan shirkii xiqqaa ta'uudha himan, innis namni na haa arguuf waa hojjachuudha. Eegasii guyyaa qiyaamaatti adabbiin warra nama agarsiifachuuf jecha Hojjetanii akka akkas isaanin jedhamuu ta'e himan: Gara warra isaanif jecha hojjataa turtanii deemaatii hojii sana irratti akka mindaa isiniif kennuu danda'an mee ilaalaa?!

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hojii Rabbii ol ta'e qofaaf qulqulleessanii hojjachuu fi na argii irraa fagaachuun dirqama ta'uudha.
2. Rifachuun Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanitiif qaban, bololli isaan qajeelluma isaanitii qabanii fi gaarii isaanii yaaduun isaanii cimaa ta'uudha.
3. Kuni sahaabota dureeyyii warra gaggaarii ta'aniif sodaa isaanii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yoo ta'e, namoota isaan booda dhufan irratti

sodaachuun ni cima.

(3381)

(35) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «اثْنَتَانِ فِي النَّاسِ هُمَا بِهِمْ كُفْرٌ: الطَّعْنُ فِي النَّسَبِ، وَالنِّيَاحَةُ عَلَى الْمَيِّتِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(35) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Namoota keessatti wanti lama kufrii dha: hidda dhalootaa arrabsuu fi warra du'an irratti iyyanii boo'uu». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- amaloota lama kan namoota keessatti argaman, kan gochoota kaafirootaa fi dalagaa warra wallaaltotaa irraa ta'an dubbatan, isaanis:

Inni jalqabaa: hidda dhaloota namootaa arrabsuu, isaan akka waan hir'ina qabanitti isaan ilaaluu fi isaan irratti of tuuluudha.

Inni lammaffaa: yeroo balaan tokko nama mudate hiree san irratti aarii irraa kan ka'een sagalee ol kaasuudha, ykn abdii kutuu irraa kan ka'een uffata ofii cicciruudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Of gadi qabuu fi namoota irratti of tuuluu dhabuu irratti kakaasuudha.
2. Balaa irratti obsuu fi aaruu dhabuun dirqama tahuudha.
3. Gochoonni kunniin kufrii xiqqaa irraayi, Namni dameelee kufrii keessaa dameen tokko itti argame kufrii amantii irraa nama baasu kafare hin jedhamu, hanga kufrii guddaa

raawwatutti kaafira hin ta’u.

4. Islaamummaan waan Muslimoota gidduutti wal qoqqoodinsa fidu hunda kan akka hidda dhalootaa arrabsuu fi wantoota biroo kan dhoorge tahuudha.

(6361)

(36) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَا تَصْحَبُ الْمَلَائِكَةُ رُفْقَةً فِيهَا كَلْبٌ وَلَا جَرَسٌ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(36) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin isa irraa haa jaalatu, Ergamaan Rabbii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkana jedhan: "Malaa'ikonni imaltoota isaanin waliin saree fi bilbilli jiru waliin hin deeman". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-, malaa'ikonni imaltoota imala keessatti isaanin waliin sareen jiru, ykn bilbilli beyladaa irratti fannifamee yeroo isheen sochoote sagalee argamsiisu jiru waliin akka hin imalle himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Saree adamsaaf ykn eegemsaaf fayyadaman malee, saree qabaachuu fi of waliin oofuun dhoorgaa ta'uudha.
2. Malaa'ikoonni saahibummaa irraa didan sun isaan malaa'ikoota rahmataa yoo ta’an, malaa'ikoonni nama eegan ammoo deemsaa fi teessuma keessattis gabrootaan addaan hin bahan.
3. Bilbilli dhoorgaa ta'uudha; Sababni isaas; shubbisoowwan sheyxaanaa keessaa tokko waan ta'eef jecha, akkasumas bilbila kiristaanatti fakkaachutu isa keessa jira.

4. Muslimni waan malaa'ikoota isa irraa fageessuu danda'u hunda irraa of eeggachuudha qaba.

(8951)

(37) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «يَأْتِي الشَّيْطَانُ أَحَدَكُمْ فَيَقُولُ: مَنْ خَلَقَ كَذَا؟ مَنْ خَلَقَ كَذَا؟ حَتَّى يَقُولَ: مَنْ خَلَقَ رَبَّكَ؟ فَإِذَا بَلَغَهُ فَلْيَسْتَعِذْ بِاللهِ وَلْيَنْتَهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(37) – Abuu Hurayraaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Shayxaanni tokkoo keessanitti dhufuun akkas jedha: kana eenyutu uume? kanas enyutu uume? hanga Rabbii kee eenyutu uume? jedhutti itti fufa, yeroo bakka gaaffii kanaa ga'etti Rabbitti maganfatee waan sana irraa haa dhaabbatu". [sirrii] - [Bukhaarii fi Muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaaffiiwwan shayxaanni ittiin mu'umina waswaasuuf qoricha bu'aa qabeessa himani, Shayxaanni ni jedha: kana eenyutu uume? kanas eenyutu uume? samii eenyutu uume? dachii eenyutu uume? Mu'uminni amantii, uumamaa fi sammuun akkana jechuun isaaf deebisa: Allaahaadha, Garuu shayxaanni waswasaa irraa hanga kanatti hin dhaabbatu, hanga eenyutu Rabbii kee uume jedhutti tarkaanfata?. Mu'uminni yeroo sanitti waswasaa kana wantoota sadiin deebisa:

Rabbitti amanuudhaan. Shayxaana irraa Rabbitti maganfachuun. Waswasaa faana deemuu irraa dhaabbachuuni.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Waswasaa shayxaanaa fi waan inni qalbii irra fidu irraa garagaluuu fi waan isaa yaaduu dhiisuudha, akkasumas waswasaa sana deemsisuuf gara Rabbii ol ta'etti deebi'uudha.
2. Waswasaa shari'aa faallessitu irraa hundi waan qalbii namaa keessatti argamuu inni shayxaana irraati.
3. Zaata Rabbiitiin wal qabatee xiinxaluu irraa dhoorguu fi uumamtoota Isaatii fi mallattoowwan Isaa xiinxaluutti kakaasuutu keessa jira.

(65013)

(38) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِنَّ اللَّهَ قَالَ: مَنْ عَادَى لِي وَلِيًّا فَقَدْ آذَنْتُهُ بِالحَرْبِ، وَمَا تَقَرَّبَ إِلَيَّ عَبْدِي بِشَيْءٍ أَحَبَّ إِلَيَّ مِمَّا افْتَرَضْتُ عَلَيْهِ، وَمَا يَزَالُ عَبْدِي يَتَقَرَّبُ إِلَيَّ بِالنَّوَافِلِ حَتَّى أُحِبَّهُ، فَإِذَا أَحْبَبْتُهُ: كُنْتُ سَمْعَهُ الَّذِي يَسْمَعُ بِهِ، وَبَصَرَهُ الَّذِي يُبْصِرُ بِهِ، وَيَدَهُ الَّتِي يَبْطِشُ بِهَا، وَرِجْلَهُ الَّتِي يَمْشِي بِهَا، وَإِنْ سَأَلَنِي لَأُعْطِيَنَّهُ، وَلَئِنِ اسْتَعَاذَنِي لَأُعِيذَنَّهُ، وَمَا تَرَدَّدْتُ عَنْ شَيْءٍ أَنَا فَاعِلُهُ تَرَدُّدِي عَنْ نَفْسِ المُؤْمِنِ، يَكْرَهُ المَوْتَ وَأَنَا أَكْرَهُ مَسَاءَتَهُ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(38) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Rabbiin ol tahe ni jedhe: Nama jaalallee koo diineffate, ani dhugumatti lola isa beeksiseera, Garbichi koo wanta ani isa irratti dirqama godhe hojjachuu caalaa waa tokkoon Natti hin dhihaanne, Gabrichi koo hangan isa jaalladhutti sunnaa raawwachuudhaan Natti dhihaachuu irraa hin deemu, yeroon isa jaalladhe, ani dhageettii isaa kan inni

ittiin dhaga'u, ija isaa kan inni ittiin argu, harka isaa kan ittiin qabatu, miila isaa kan ittiin deemu isaaf ta'a, yoo na kadhate isaaf kenna, yoo inni natti maganfate isa nan tiksa, Lubbuu nama mu'uminaa fuuchuu irraa akka duubatti deebi'etti waanan hojjedhu tokko irraa duubatti deebi'ee hin beeku, inni du'a jibba, ani immoo isa hammeessuu jibba". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-, Hadiisa al-qudsii kana keessatti Rabbiin ol ta'e akkana jechuudha himan: Namni jaalallee koo tokko miidhe, isa aarse, ykn isa jibbe, ani dhugumatti diinummaa isa beeksiseera.

Waliyyii/jaalallee jechuun: nama mu'umina Rabbiin sodaatu yoo ta'u, akka bal'ina iimaanaa fi sodaa Rabbiitin qooda waliyyummaa/ jaalallee Rabbii ta'uu argata. Muslimni waan kheyrii hojjatee waan haraama ta'e dhiisuu irraa wanta Inni dirqama isarratti godhe hojjachuu caalaa wanta Isa biratti jaallatamaa ta'e tokkoon gara Rabbii isatti hin dhihaanne, Muslimni hanga jaalala Rabbii argatutti waajiboota waliin sunnaalee hojjachuun gara Rabbii isatti dhihaachuu irraa hin deemu. Rabbiin yoo isa jaallate, humnoolee afran kanaan keessatti isa qajeelcha:

Dhageettii isaa keessatti isa qajeelcha, kanaaf waan Rabbiin jaallachiisu qofa dhaga'a.

Ija isaa keessatti isa qajeelcha, kanaaf waan Rabbi jaallatuu fi itti gammadu qofa ilaala.

Harka isaa keessatti isa qajeelcha, kanaaf waan Rabbiin jaallachiisu malee waan biraa harka isaatin hin dalagu.

Miila isaa keessatti isa qajeelcha, kanaaf gara waan Rabbiin

jaallachiisutti qofa deema, waan gaarii qofa barbaada.

Kanuma waliin yoo Rabbiin waan tokko kadhate Rabbiin waan inni kadhate isaaf kenna, kanaaf nama du'aa'iin isaaf owwaatamu ta'a. Yoo Rabbitti maganfatee eegumsa Isaa barbaadaa haala ta'een gara Isatti hirkate immoo Rabbiin ol tahe waan sodaatu irraa isa eega.

Eegasii Rabbiin ol tahe akkana jedhe: Ani isaaf rahmata godhuuf jecha hangan lubbuu mu'uminaa fuudhuu keessatti duubatti jedhu waanan hojjedhu kamirraayuu duubatti hin jenne; sababni isaas inni waan isa keessa laalan jiruuf jecha du'a sodaata, Rabbiin immoo waan mu'umina dhiphisu ni jibba.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hadiisni kuni waan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- Rabbii isaanii irraa odeessan keessaa tokko yoo ta’u, inni hadiisal qudsii ykn hadiisal ilaahii jedhama, jechoonni fi hiikni isaas Rabbii biraa ta’us, amaloota Qur’aanaa hin qabu. kan akka ibaadaaf jecha isa qara’uu, isaaf qulqulleeffachuu, qormaataa, isaan dadhabsiisuu fi kkf.
2. Awliyaa/jaalalleewwan Rabbii azaa gochuu irraa dhoorguudha, akkasumas isaan jaallachuu irratti kakaasuu fi sadarkaa isaanii isaanif beekuun barbaachisaa akka ta'eedha.
3. Diinota Rabbii diina godhachuutti ajajuu fi isaanin jaalallee ta'uu haraama taasisuudha.
4. Namni shari'aa Isaa osoo hin hordofin jaalallee Rabbii ta'uu(waliyyummaa) himatu inni himannaa isaa keessatti sobaadha.

5. Jaalalti Rabbii(waliyyummaan) kan argamtu dirqamoota raawwatanii wantoota haraama ta'an dhiisuudhaan.
6. Jaalalli Rabbii akka gabrichaaf argamuu fi du'aa'iin isaaf akka qeebalamu wantoota sababaa ta'an keessaa inni tokko eega dirqamoota raawwatanii wantoota haraama ta'an dhiisanii sunnaalee raawwachuudha.
7. Kabaja awliyoota Rabbii fi sadarkaa ol'aanaa isaanii kan agarsiisuudha.

(6337)

(39) – عَنِ العِرْبَاضِ بْنِ سَارِيَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: قَامَ فِينَا رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ ذَاتَ يَوْمٍ، فَوَعَظَنَا مَوْعِظَةً بَلِيغَةً وَجِلَتْ مِنْهَا القُلُوبُ، وَذَرَفَتْ مِنْهَا العُيُونُ، فَقِيلَ: يَا رَسُولَ اللَّهِ، وَعَظْتَنَا مَوْعِظَةَ مُوَدِّعٍ فَاعْهَدْ إِلَيْنَا بِعَهْدٍ. فَقَالَ: «عَلَيْكُمْ بِتَقْوَى اللَّهِ، وَالسَّمْعِ وَالطَّاعَةِ، وَإِنْ عَبْدًا حَبَشِيًّا، وَسَتَرَوْنَ مِنْ بَعْدِي اخْتِلَافًا شَدِيدًا، فَعَلَيْكُمْ بِسُنَّتِي وَسُنَّةِ الْخُلَفَاءِ الرَّاشِدِينَ الْمَهْدِيِّينَ، عَضُّوا عَلَيْهَا بِالنَّوَاجِذِ، وَإِيَّاكُمْ وَالْأُمُورَ الْمُحْدَثَاتِ، فَإِنَّ كُلَّ بِدْعَةٍ ضَلَالَةٌ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وابن ماجه وأحمد]

(39) – Irbaad bin Saariyaa irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe:- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafa tokko nu gidduu dhaabbatanii gorsa jabaa qalbiin irraa sodaattee ijji irraa imimmaan dhangalaafte nu gorsan, eegasii ni jedhame: yaa ergamaa Rabbii gorsa nama nagaa namatti dhaammatuu nu gorsitanii, nuu dhaamaa, isaanis ni jedhan: "Rabbiin sodaadhaa, (namni isin irratti moohe) gabricha Habashaallee osoo tahee dhagayuu fi ajajamuufii qabdan, Ana boodaa waldhabdee jabaadha arguuf teessanii, Sunnaa kiyyaa fi Sunnaa Khaliifota

kiyya kan qajeeloo qajeelfamoo ta'anii qabadhaa, ilkaan a'ootiin isii irratti ciniinaa, wantoota haaraa bid'aa ta'an irraa fagaadhaa, hundummaan bid'aatuu jal'ina waan ta'eef". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sahaaboota isaanii gorsa jabaa qalbiin irraa sodaatte, kan ijji irraa imimmaan dhangalaafte gorsanii jennaan, Isaanis akkana jedhaniin: Yaa Ergamaa Rabbii gorsi kun gorsa dhaammataati fakkaata, gorsicha keessatti jabeessuu isaanii waan arganiif akkas jedhaniin, kanaafuu dhaamsa booda isaanitii isa qabatanii irra jiraatan isaan irraa barbaadan, Isaanis akkana jedhan: dirqamoota raawwachuu fi dhoorgaalee dhiisuun Rabbii ol ta'e sodaachuun isinii dhaama, Akkasumas hooggantootaaf dhagayuu fi ajajamuudhaan isinii dhaama, osoo gabrichi wahii isin irratti moohellee, kana jechuunis uumama keessaa inni gadi aanaan bulchaa keessan ta'ellee hin didinaa isa tole jedhaa, fitnaan faca'uu soodaaf jecha, isin keessaa namni jiraate waldhabdee hedduudha arguuf taa'a. Eegasii karaa waldhabdee kana irraa ittiin bahan isaanii ibsan, sun sunnaa isaaniitii fi sunnaa qajeeloo fi qajeelfamoo booda isaanitii ta'an kan akka Abuu Bakir Assiddiiq, Umar bin Khaxxaab, Usmaan bin Affaani fi Aliyyi bin Abii Xaalib qabachuudhaani, Rabbiin isaan hunda irraa haa jaallatu, akkasumas a'oo xumura ilkaanitti jiruun irratti ciniinuudhaani, kana jechuun sunnaa qabatanii itti hojjachuu keessatti cimuudha baana, Wantoota bid'aa ta'an kan guyyaa keessaa amantii keessatti argamsiifaman irraa isaan akeekkachiisan, hundummaan bid'aa jal'ina waan ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa Sunnaa qabachuu fi ishee hordofuuti.
2. Gorsaa fi waan kheyrii himuun qalbii laaffisuuf xiyyooffannoo kennuudha.
3. Booda isaanitii khaliifota afran qajeeloo fi qajeelfamoo ta'an kan akka Abuu Bakir, Umar, Usmaani fi Aliyyii -Rabbii isaan irraa haa jaallatu- hordofutti ajajuudha.
4. Amantii keessatti waan hin jirre galchuu irraa dhoorguu fi hundummaan bid'aa jal'inaa ta'uu ibsuudha.
5. Bulchaa mu'uminootaaf yoo inni dilitti nama hin ajajin dhagayuu fi tole jechuudha.
6. Yeroo fi haala hunda keessatti Rabbiin sodaachuun barbaachisaa ta'uudha.
7. Waldhabdeen ummata kana keessatti argamuudha, yeroo inni argametti immoo gara Sunnaa Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkasumas gara sunnaa Khaliifotaa qajeeloo ta'anii deebi'uun dirqama ta'a.

(65057)

(40) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم أنَّه قال: «مَنْ خَرَجَ مِنَ الطَّاعَةِ، وَفَارَقَ الْجَمَاعَةَ فَمَاتَ، مَاتَ مِيتَةً جَاهِلِيَّةً، وَمَنْ قَاتَلَ تَحْتَ رَايَةٍ عِمِّيَّةٍ، يَغْضَبُ لِعَصَبَةٍ، أَوْ يَدْعُو إِلَى عَصَبَةٍ، أَوْ يَنْصُرُ عَصَبَةً، فَقُتِلَ، فَقِتْلَةٌ جَاهِلِيَّةٌ، وَمَنْ خَرَجَ عَلَى أُمَّتِي، يَضْرِبُ بَرَّهَا وَفَاجِرَهَا، وَلَا يَتَحَاشَى مِنْ مُؤْمِنِهَا، وَلَا يَفِي لِذِي عَهْدٍ عَهْدَهُ، فَلَيْسَ مِنِّي وَلَسْتُ مِنْهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(40) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Namni ajajamuu dhiisee jamaa'aa muslimtootaa irraa adda bahee du'e, du'a wallaalummaa du'a, Namni alaabaa gosaatin, garee tokko jalatti qabsaa'e kan garee sanaaf dheekkamu ykn garee sanatti waamu, ykn garee osoo tumsuu ajjeefame inni ajjeechaa wallaalummaa ajjeefame, Namni ummata kiyya irratti fincila kaase, nama qajeelaa fi kan safuu hin qabne irrattis duulu, kan mu'uminootaaf dantaa hin qabne, kan waadaa gale hin raawwanne, inni ana irraa anis isa irraa miti". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin, nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu, namni bulchitootaaf ajajamuu didee, garee Islaamaa Imaamaaf amanamummaa galan irraa adda bahe, haala addaan bahuu fi ajajamuu diduu sana keessatti kan du'e, du'a namoota wallaalummaa kan itti gaafatamaa isaanitiif hin ajajamnee fi kan garee tokkotti hin makamne, inumaayyuu isaan gare garee fi baandaa wal lolan kan ta'an akka du'a ibsan.

Akkasumas Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni alaabaa isa keessatti dhugaa fi soba adda baasuu hin dandeenye jalatti qabsaa'u, amantii fi dhugaa deeggaruuf osoo hin taane, Hubannoo fi beekumsa malee kan ka'ee lolu, yoo haala kanaan kan du'e tahe akka warra wallaalummaatti akka du'etti lakkaa'ama jechuu himan.

Akkasumas Namni ummat isaanii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- irratti fincilee qajeelaa ummatichaati fi nama safuu hin qabne rukutee, waan hojjeteef dhimma kan hin qabnee fi mu'umina ajjeessuun adabbii hin sodaanne, waadaa ummata

kaafiraa fi warra aangoo qabaniif kan hin guunne, inumaayyuu kan waadaa san diigu yoo ta'e, kun dilii gurguddaa irraa lakkaa'ama, namni isa raawwatees doorsisa hamaa haqa godhatu ta'uu himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hanga dilitti nama hin ajajnetti, warra itti gaafatamummaa qabaniif ajajamuun dirqama ta'uudha.
2. Warra itti gaafatamaaf hin ajajamnee fi hawaasa muslimaa irraa adda bahaniif akeekkachiisa cimaa of keessaa qaba. Yoo haala kanaan du'e, du'a warra wallaalummaa akka du'uudha.
3. Gosummaa loluu irraa dhoorguutu Hadiisicha keessa jira.
4. waadaa galame raawwachuun dirqama tahuudha.
5. Ajajamuu fi garee muslimtootaa wajji jiraachuun keessatti kheyrii guddaa, nageenya, tasgabbii fi tolinni haalaa kan jiru ta'uudha.
6. Haala ummata wallaalaa fakkaachuu irraa dhoorguudha.
7. garee hawaasa muslimaa waliin jiraachutti ajajuudha.

(58218)

(41) – عن مَعقِلِ بن يَسار المُزَنِيّ رضي الله عنه قال: إنِّي سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «مَا مِنْ عَبْدٍ يَسْتَرْعِيهِ اللهُ رَعِيَّةً، يَمُوتُ يَوْمَ يَمُوتُ وَهُوَ غَاشٌّ لِرَعِيَّتِهِ، إِلَّا حَرَّمَ اللهُ عَلَيْهِ الْجَنَّةَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(41) – Ma'aqil ilma Yasaar al-muzanii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa ha jaallatu- ani dhugumatti Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e jedhe: "Gabrichi kamuu kan Rabbiin ummata

akka hoogganu isa godhee, guyyaa du'u haala ummata isaa ganeen yoo kan du'u ta'e, Rabbiin jannata haraama isa irratti taasisu malee hin hafu". [sirrii] - [Bukhaarii fi muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hundi nama Rabbiin ol ta'e ummata irratti hoogganaa fi itti gaafatamaa taasisee, itti gaafatamummaa waliigalaa kan akka bulchaas ta'ee yookaan itti gaafatamummaa dhuunfaa kan akka namichi mana isaa irratti ta'uu fi dubartiin mana isii irratti ta'uu ta'us, yoo haqa ummataa keessatti hirdhisee, isaan ganee gorsas isaan hin gorsine, akkasumas haqa isaanii diinii fi duuniyaa yoo balleesse, dhugumatti adabbii jabaa kana haqa godhatee jira.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sodaachisni kun hoogganaa olaanaa fi bakka bu'oota isaa qofa hin ilaallatu, hunduma nama Rabbiin itti gaafatamummaa isaaf kennee ilaallata.
2. Dirqamni hunda nama dhimma muslimootaa irratti muudamee toltuu isaaniif yaaduudha, akkasumas amaanaa isaa geessuu fi ganuu irraa of eeguu keessatti carraaquudha qaba.
3. Itti gaafatamummaan hunda nama muudama wolii galaa yookaan muudama dhuunfaa fudhatee, guddaas ta'u xiqqaa, guddaa ta'uu isaa agarsiisa.

(5335)

(42) – عَنْ أُمِّ سَلَمَةَ أُمِّ المُؤمنين رضي الله عنها: أَنَّ رَسُولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «سَتَكُونُ أُمَرَاءُ فَتَعْرِفُونَ وَتُنْكِرُونَ، فَمَنْ عَرَفَ بَرِئَ، وَمَنْ أَنْكَرَ سَلِمَ، وَلَكِنْ مَنْ رَضِيَ وَتَابَعَ» قَالُوا: أَفَلَا نُقَاتِلُهُمْ؟ قَالَ: «لَا، مَا صَلَّوْا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(42) – Ummu Salamaa Haadha Mu'umintootaa irraa odeeffamee -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu-: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Mootonni ni argamu, isinis hojii isaanii irraa waan beektanii jaallattanii fi waan mormitan qabdu, Kanaafuu namni beeke bilisa baha, namni morme immoo nagaa ta'a, namni jaallatee isaan duuka bu'e ni bada" ni jedhan (sahaaboonni): Nuti isaanin loluu hin qabnuu? Isaanis ni jedhan: "Lakkii, waan isaan salaata salaataniin". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mootonni nuti garii hojii isaanii waan isheen seera shari'aatiin wal galteef jecha beeknu, garii ishee immoo seera shari'aa waan faalleessituuf jecha kan morminu akka nu irratti muudaman himan. Namni qalbii isaa keessatti badii jibbee arrabaan itti dubachuu dadhabe; Cubbuu fi fakkeessummaa irraa bilisa ta'e. Namni harka isaatiin ykn arraba isaatiin mormuu danda'ee isaan irratti gocha sana morme badii fi ishee keessatti hirmaachuu irraa nagaa bahe. Garuu namni hojii isaanii jaallatee isaan duuka bu'e akkuma isaan badanitti bada.

Eegasii Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhanii gaafatan: Bulchiitoota amala kana qabaniin loluu hin qabnuu? isaanis sana irraa isaan dhoorganii, akkana jedhan: Lakkii, hanga isaan isin gidduutti

salaata dhaabanitti isaanin hin lolinaa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Wantoota Nabiyyummaa isaanii irratti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama qajeelchan keessaa wantoota yeroo saniif hin jirre kan fuulduratti dhufan himanii akkuma isaan himanitti argamuu isaaniiti.
2. Badii jaallachuu fi isa keessatti hirmaachuun akka hin taane fi isa balaaleffachuun dirqama akka ta'eedha.
3. Mootonni waan shari'aa faallessu yoo hojjetan sana keessatti isaaniif ajajamuun hin hayyamamuudha.
4. Bulchitoota Muslimootaa irratti fincila kaasuun hayyamamuu dhabuudha; Sababa badiin guddaan, dhangala'uun dhiigaatii fi tasgabbiin nageenyaa dhabuun sana faana dhufuuf jecha, rakkina isaanii irratti obsuutu sana irra salphaadha.
5. Salaanni garaagarummaa kufrii fi Islaamummaa waan taateef jecha dhimmi ishee cimaa ta'uudha.

(3481)

(43) – عَنِ ابْنِ مَسْعُودٍ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «سَتَكُونُ أَثَرَةٌ وَأُمُورٌ تُنْكِرُونَهَا» قَالُوا: يَا رَسُولَ اللَّهِ فَمَا تَأْمُرُنَا؟ قَالَ: «تُؤَدُّونَ الحَقَّ الَّذِي عَلَيْكُمْ، وَتَسْأَلُونَ اللَّهَ الَّذِي لَكُمْ». [صحيح] - [متفق عليه]

(43) – Ibnu Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Haqa walii galaatiin of jaallachuu fi wantoonni hedduun isin isii mormitan ta'uuf taa'an" Sahaabonnis akkana jedhanii gaafatan: Yaa Ergamaa Rabbii

yeroo sana maalitti nu ajajju? isaanis ni jedhan: "Haqa isin irra jiru raawwataniiti haqa keessan Rabbiin kadhattan". [sirrii] - [Bukhaarii fi Muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mootonni qabeenya muslimootaatii fi dhimmoota duniyaa biroo dhunfatanii akka barbaadan itti hojjatanii fi haqa muslimootaa kan isii keessa jiru kan isaan dhoorgatan akka muslimoota hoogganuu taa'an himan. Amantii keessatti isaan irraa wantoonni jibbamoon akka argamaniis himaniiru. Sahaabaan -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkana jedhanii gaafatan: Haala sana keessatti maal gochuu qabna? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan qabeenyan kophaa bahuun dhageettii fi isaanii ajajamuu irraa dirqama isin irra jiru bahachuu irraa isin hin dhoorgu jedhanii itti himan, inumaayyuu obsaa, isaan dhagayaa, isaanifis ajajamaa, aangos isaan harkatti hin qabinaa, haqa keessan Rabbiin kadhadhaa, akkasumas Rabbiin akka isaan tolchee hamtuu isaanitii fi miidhaa isaanii deebisu Isa kadhadhaa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hadiisni nubuwwummaa Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti ragaalee nama qajeelchan keessaa isa tokkoodha, maalif jennaan waan fuul duratti ummata isaanii keessatti argamuu taa'u himaniiti akkuma isaan himanitti argame.
2. Nama tokko balaa isarra ga'uuf deemu itti himuun ni danda'amaadha, sababni isaas akka inni waan saniif lubbuu isaa qopheessuuf jecha, yeroo balaan sun irra

gayetti obsee mindaa isaa Rabbiin irratti herregata.

3. Qur'aanaa fi Hadiisa jabeessanii qabachuun qormaataa fi garaagarummaa keessaa karaa ittiin ba'aniidha.
4. Haala beekamaa ta'een hooggantoota dhagayuu fi isaanii ajajamuu irratti kakaasuudha, akkasumas osoo miidhaan isaan irraa argameellee isaan irratti finciluu dhabuu irratti kakaasuudha.
5. Yeroo qormaataa keessatti ogummaa fayyadamuu fi Sunnaa hordofuudha.
6. Ilmi namaa osoo ofii isaatii miidhamallee ta'ee haqa isa irra jiru raawwachuudha qaba.
7. Hadiisichi qaa'idaa (bu'uura) akkana jedhuuf ragaadha: Hamtuu lama keessaa isa xiqqaa ykn waan nama miidhu lama keessaa isa miidhaan isaa irra salphaatu filatam.

(3156)

(44) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بنِ عُمرَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُما أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «كُلُّكُمْ رَاعٍ فَمَسْئُولٌ عَنْ رَعِيَّتِهِ، فَالأَمِيرُ الَّذِي عَلَى النَّاسِ رَاعٍ وَهُوَ مَسْئُولٌ عَنْهُمْ، وَالرَّجُلُ رَاعٍ عَلَى أَهْلِ بَيْتِهِ وَهُوَ مَسْئُولٌ عَنْهُمْ، وَالمَرْأَةُ رَاعِيَةٌ عَلَى بَيْتِ بَعْلِهَا وَوَلَدِهِ وَهِيَ مَسْئُولَةٌ عَنْهُمْ، وَالعَبْدُ رَاعٍ عَلَى مَالِ سَيِّدِهِ وَهُوَ مَسْئُولٌ عَنْهُ، أَلَا فَكُلُّكُمْ رَاعٍ وَكُلُّكُمْ مَسْئُولٌ عَنْ رَعِيَّتِهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(44) – Abdullaa bin Umar irraa odeeffamee -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Isin hunduu tikseedha, waan tiksu irraas gaafatamaadha, Bulchaan ummataa tikseedha, waan tikse irraa ni gaafatama, namni dhiiraa mana isaa irratti tiksee

dha, waan tikse irraa ni gaafatama, dubartiin mana abbaa manaa ishee fi ijoollee isaa irratti tiksee dha, waan tiksite irraa ni gaafatamti, gabrichi tiksee qabeenya gooftaa isaati, waan tikse irraa ni gaafatama, dhagahaa! Isin hunduu tiksee dha, waan tiksitan irraa ni gaafatamtan". [sirrii] - [Bukhaarii fi Muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- Muslimni hunduu hawaasa keessatti itti gaafatamummaa kunuunsuu fi baachuu qabu akka qabu himan, Imaamni fi bulchaan waan Rabbi eegsise keessatti tikseedha, kanaaf seera isaanii eeguu, nama isaan cunqursu irraa isaan tiksuu, diina isaanitiin loluu fi haqa isaanii balleessuu dhabuutu isa irra jira, Namichi warra mana isaa keessatti waan isaan barbaachisu isaanif gochuu fi haala gaarin isaan waliin jiraachuu, isaan barsiisuu fi isaan adabuun itti gaafatamummaadha qaba, Dubartiinis mana abbaa manaa ishee keessatti mana isaa haala gaarin qabuu fi ijoollee isaa guddisuun itti gaafatamummaadha qabdi.

Khaadimni gabra ta'ee fi namni qacaramee hojjetu qabeenya gooftaa isaa keessatti itti gaafatamummaadha qaba, isa irraa waan harka isaa keessa jiru jabeessuu fi tajaajiluudhaan, inni sana irraa itti gaafatamummaadha qaba. Namni hundinuu waan isa irratti tiksee godhame keessatti tikseedha, namni hundinuu waan tiksu irraa ni gaafatama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Itti gaafatamummaan hawaasa Muslimaa keessatti akka waliigalatti kan jiru yoo ta’u, hundummaanuu akka dandeettii fi itti gaafatamummaa isaatiin ta'a.

2. Itti gaafatamummaan dubartii guddaa ta'uudha, sunis haqa mana abbaa manaa ishee fi ijoollee ishee ilaalchisee dirqama ishee bahachuudha.

(5819)

(45) – عن عائشة رضي الله عنها قالت: سمعتُ من رسولِ اللهِ صلى الله عليه وسلم يقول في بيتي هذا: «اللَّهُمَّ مَنْ وَلِيَ مِنْ أَمْرِ أُمَّتِي شَيْئًا فَشَقَّ عَلَيْهِمْ فَاشْقُقْ عَلَيْهِ، وَمَنْ وَلِيَ مِنْ أَمْرِ أُمَّتِي شَيْئًا فَرَفَقَ بِهِمْ فَارْفُقْ بِهِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(45) – Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- ni jette: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mana koo kana keessati akkas jedhuun dhaga'e: "Yaa Rabbi nama dhimma ummata kootii irraa waan tokko irratti muudamee isaan rakkise ati isa rakkisi, nama dhimma ummata kootii irraa waan tokko irratti muudamee isaanitti laaffise ati isatti laaffisi". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hunda nama dhimmoota muslimootaa irraa dhimma tokko irratti muudamee xiqqaas ta'ee guddaa, muudamni kun muudama walii galaas ta'ee yookaan muudama hanga murtaa'e tokkos haa ta'uu, yoo isaanitti laaffisuu dhiisee rakkina, gadadoo fi dhiphina isaanitti galche, Rabbiin ol ta'e fakkaataa hojii isaatiin isa irratti dhiphisuun galata akka isaaf galchu irratti kadhatan.

Namni isaanif laphee baatee dhimmoota isaaniis laaffiseef Rabbiin isatti laaffisee dhimmoota isaas akka isaaf laaffisu kadhataniif.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni dhimma muslimootaa irraa waan tokko irratti muudame hanga danda'een isaanitti laaffisuun isa irratti dirqama.
2. Mindaan fakkaataadhuma hojiitiidha.
3. Madaalliin laaffisuu irraa yookaan dhiphisuu irraa waan ilaalamuu inni Qur'aanaa fi Hadiisa waan hin faallessiniini.

(5330)

(46) – عن تميم الداري رضي الله عنه أَنَّ النَّبِيَّ صلى الله عليه وسلم قال: «الدِّينُ النَّصِيحَةُ» قُلْنَا: لِمَنْ؟ قَالَ: «لِلَّهِ وَلِكِتَابِهِ وَلِرَسُولِهِ وَلِأَئِمَّةِ الْمُسْلِمِينَ وَعَامَّتِهِمْ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(46) – Tamiim addaarii irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- dhugumaan Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Amantaa jechuun gaarii yaaduudha" ni jenne: eenyuufi? ni jedhan: "Rabbiifi, kitaaba Isaatiifi, ergamaa Isaatiif, dureewwan muslimootaatii fi hunduma isaanitiifi". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Amantaan ikhlaasaa fi dhugummaa irratti akka gadi dhaabbate himan, akka Rabbiin dirqama godhetti hirdhinaan yookaan gowwoomsaan maletti akka geeffamuuf jecha.

Nabiyyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nasiihaan eenyuuf taati jedhamanii gaafatamnaan? akkana jedhan:

Jalqaba: Gaarii Rabbiif -qulqullaa'e, ol ta'e- yaaduudha: hojii Isaaf qulqulleessuu fi isatti qindeessuu dhabuun, rabbummaa Isaatti, gabbaramummaa Isaatti, maqoowwan Isaa fi sifoowwan isaatti amanuuni, akkasumas ajaja Isaa kabajuu fi gara Isaatti amanutti nama waamuuni.

Lammaffaan: Kitaaba Isaatiif gaarii yaaduudha, inni Qur'aana kabajamaadha: haasawa Rabbii akka ta'e, kitaabota Isaa irraa kan dhumaa akka ta'ee fi shari'aa isa dura darbe hunda isaa kan jijjiire ta'uu isaatti amanuudha, isa ni kabajna, qaraatii dhugaa isa qaraana, murtoo isaatti ni hojjanna, wol fakkaatoo isaas ni fudhanna, jalliftoonni isa dabsuu irraas ni deebifna, gorsa isaatiin ni gorfamna, beekumsa isaa ni faccaafna, gara isaattis ni waamna.

Sadaffaan: Ergamaa Isaa Muhammadiif -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaarii yaaduudha: Ergamaa xumuraa akka ta'an amanuu fi waan ittiin dhufan keesssatti isaan dhugoomsuudha, ajaja isaanii hojii irra oolchuu fi waa isaan dhoorgan irraa fagaachuudha, akkasumas waan isaan ittiin dhufaniin malee Rabbiin gabbaruu dhabuudha, haqa isaanii guddisuu fi isaan kabajuudha, akkasumas waamicha isaanii tamsaasuu, sharii'aa isaanii raabsuu fi maqa baleessii isaan irratti deemu mormuudha.

Afraffaan: Dureewwan muslimootaatiif gaarii yaaduudha: haqa irratti isaan gargaaruu, aangoo isaan harkatti qabuu dhabuu fi Rabbiin buluu keessatti isaaniif ajajamuudha.

Shanaffaan: Muslimoota hundaaf gaarii yaaduudha: tola isaanitti oluunii fi isaan waamuuni, akkasumas dhiibbaa isaan irraa qabuu, toltuu isaaniif jaallachuu, toltuu fi sodaa Rabbii keessatti isaaniin wol gargaaruuni.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hundaaf gaarii yaaduutti ajajuudha.
2. Sadarkaan nasiihaan amantii keessatti qabu guddaa ta'uudha.
3. Amantaan aqiidaawwan, jechoowwanii fi hojiiwwan of keessatti hammachuudha.
4. Nasiihaa irraa nama gaariin yaadamuuf gowwoomsuu irraa lubbbuu qulqulleessuu fi toltuu isaaf fedhuudha.
5. Bareeduma barsiisa Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan tokko akka walii galaatti dubbatanii ka'anii eegasii adda babaasanii yeroo ibsan.
6. Waan irra yaachisaan eegasii irra yaachisaan jalqabuudha, akkasumatti walitti aansuun, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiif gaarii yaaduun eegalanii, eegasii kitaaba Isaa itti aansan, eegasii ergamaa isaati itti aansan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- eegasii immoo dureewwan muslimootaa fi hunduma isaaniitiin xumuran.

(4309)

(47) – عَنْ عَائِشَةَ رَضِيَ اللهُ عَنْهَا قَالَتْ: تَلَا رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ هَذِهِ الْآيَةَ: {هُوَ الَّذِي أَنْزَلَ عَلَيْكَ الْكِتَابَ مِنْهُ آيَاتٌ مُحْكَمَاتٌ هُنَّ أُمُّ الْكِتَابِ وَأُخَرُ مُتَشَابِهَاتٌ فَأَمَّا الَّذِينَ فِي قُلُوبِهِمْ زَيْغٌ فَيَتَّبِعُونَ مَا تَشَابَهَ مِنْهُ ابْتِغَاءَ الْفِتْنَةِ وَابْتِغَاءَ تَأْوِيلِهِ، وَمَا يَعْلَمُ تَأْوِيلَهُ إِلَّا اللَّهُ، وَالرَّاسِخُونَ فِي الْعِلْمِ يَقُولُونَ آمَنَّا بِهِ كُلٌّ مِنْ عِنْدِ رَبِّنَا وَمَا يَذَّكَّرُ إِلَّا أُولُو الْأَلْبَابِ} [آل عمران: 7]. قَالَتْ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ:

«فَإِذَا رَأَيْتِ الَّذِينَ يَتَّبِعُونَ مَا تَشَابَهَ مِنْهُ فَأُولَئِكَ الَّذِينَ سَمَّى اللهُ، فَاحْذَرُوهُمْ». [صحيح] - [متفق عليه]

(47) – Aa'ishaa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- ni jette: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatattii suuraa aala-imraan keessaa akkas jettu {inni isa sirratti kitaaba buuse isa irraa keeyyata ifaatu jira, isaan bu'uura kitaabaati, kan biraa immmoo wol fakkaattuudha, worri onnee isaanii keessa jallinni jiru fitnaa barbaachaa fi hiika isaa isa dhokataa barbaachaaf jecha isa wol fakkaataa hordofu, hiika isaa isa dhokataa Rabbiin malee homtuu hin beeku, worri beekumsa keessa fagaatan immoo "hunduu Rabbii keenya biraayyi itti amanne" jedhu, worra sammuu qabu malee namni biraa hin gorfamu} [suuraa aala-imraan: 7]. Aa'ishaanis akkas jette: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- itti fufuun akkas jedhani: «yeroo worra isa irraa waan wol fakkaate hordofu agarte isaani worri Rabbiin jedhe, isaan irraa of eeggadhaa». [sirrii] - [Bukhaarii fi Muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatattii akkas jettu: {{inni isa sirratti kitaaba buuse isa irraa keeyyata ifaatu jira, isaan bu'uura kitaabaati, kan biraa immmoo wol fakkaattuudha, worri onnee isaanii keessa jallinni jiru fitnaa barbaachaa fi hiika isaa isa dhokataa barbaachaaf jecha isa wol fakkaataa hordofu, hiika isaa isa dhokataa Rabbiin malee homtuu hin beeku, worri beekumsa keessa fagaatan immoo "hunduu Rabbii keenya biraayyi itti

amanne" jedhu, worra sammuu qabu malee namni biraa hin gorfamu} kana qara'an, isii keessatti qur'aana nabiyyii irratti kan buuse isa ta'uu Rabbiin ol ta'e hime, isa irraa aayatoota ergaan isii ifa taatetu jira, murtoon isii beekamtuu wol fakkaatinsi isii keessa hin jirredha, isiitu bu'uura kitaabaa fi wobii isaati, bakka wol dhabbiitti isiitu wobiidha, isa irraa immoo aayatoota biroo hiika tokkoo ol qabaachuu malantu jiru, hiikni isii namoota gariitti wol fakkaata, yookaan immoo isiidhaaf aayata biroo gidduutti wol fallessuutu jira se'a, eegasii Rabbiin aayatoota kanneen wojjiin akkaataa namoonni ta'an ibse, worri qalbii isaanii keessa haqa irraa jallachuun jiru waan ifa ta'e dhiisanii, waan namatti wol fakkaatu qabatan, sanaan shakkii kakaasuu fi Namoota dogoggorsuuf barbaadu, akkasumas akka fedhii isaanii wajjiin walsimututti lsii hiikuu barbaadu, Warri beekumsaan jabaatan immoo waan wal fakkaataa ta'e kana beekanii, isa gara waan ifa ta'etti deebisu, inni Rabbii ol ta'e biraa akka ta'es ni amanu, shakkii uumu fi wal faallessuu hin danda'u, garuu warra sammuu fayyaa qaban malee sanaan hin gorfamu. Ergasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haadha mu'umintootaa Aa'ishaan -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- akkana jedhani: yeroo warra waan wal fakkaate hordofan argite, isaani warri Rabbiin akana jechuun isaan dubbatee: {Warri qalbii isaanii keessatti jallinni jiru} isaan irraa of eeggadhaa irraa hin dhaggeeffatinaa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Aayatoota qur'aanaa irraa kan ifa ta'an: waan ergaan isiitii fi hiikni isii ifa galedha, walfakkaataan immoo: kan hiika

tokkoo oliif malu kan gadi ilaaluu fi hubachuu barbaadudha.

2. worra jallinaa, worra bida'aa fi worra nama jallisuu fi shakkii keessa isaan buusuuf jecha gaaffii kaasaniin wolitti makamuu irraa sodaachisuutu keessa jira.
3. Aayaticha jecha Rabbii ol ta'ee: {worra sammuu qabu malee namni biroo hin gorfamu} jedhuun xumuruu keessa: worra jallinaa mormuu fi worra beekumsa keessa gadi fagaatan faarsuutu keessa jira, akkas jechuun: namni hin gorfamne, kan fedhii isaa hordofe inni worra sammuu qabu irraa miti jechuudha.
4. wol fakkaataa hordofuun jallinaaf sababa ta'a.
5. Aayatoota wal fakkkaatoo ta'an kan hiikni isii hubatamuu dhabuu maltu gara aayatoota iftuu taateetti deebisuun dirqama ta'uu isaa.
6. Rabbiin -inni qulqullaa'e- garii qur'aanaa ifa, garii immoo wol fakkaataa taasise, ittiin nama qoree akka worri iimaanaa worra jallinaa irraa ittiin adda ba'anuuf jecha.
7. wol fakkaataan qur'aana keessatti argamuu keessa: sadarkaa beektonni namoota kaan irra qaban muldhisuudha, akkasumas yaadni sammuu gabaabaa ta'uu isaa beeksisuudha; dadhabiinsa isii of irratti ragaa baatee tolchaa isiitti harka akka kennituuf jecha.
8. beekumsa keessatti gadi fagaachuu fi isa keessatti ragga'uun sadarkaa inni qabuudha.
9. hayyootni qur'aana hiikan jecha Rabbii { وما يعلم تأويله إلا الله والراسخون في العلم } { hiika isaa isa dhokataa Rabbiin malee hin beeku worri beekumsa keessa gadi fagaatani} jedhu irratti yaada lama qabani: worri jecha "Allaah"

jedhu irratti dhaabbate, hiika isaa keessatti akkana jedhu: kan itti fedhame, maalummaa dhugaa waan tokkoo kallattii hundaan isa baruuf karaan kan itti hin jirre, akka dubbii lubbuu fi yeroo qiyaamaan itti dhaabbattuu kanneen Rabbiin beekumsa isaa of qofaaf taasise jechuu ta'a, worri beekumsa keessa gadi fagaatani itti amananii maalummaa isaa isa dhugaa Rabbitti hirkisuun isaaf qeebalanii ofiifis jallina irraa najaa ba'ani, Worri jecha Rabbii "Allaah" jedhu irratti dhaabbachuu dhiisee kan isa boodaan jiruun wolitti fufee qara'e immoo, hiika isaatti kan fedhame tafsiiraa fi ifa isa galchuu ta'a, akkaataa kanaan Rabbii fi worri beekumsa keessa gadi fagaatan hiika isaa ni beeku jechuu ta'a, isiitti amananii gara isii ifa taateetti deebisu jechuudha.

(65062)

(48) – عن أبي سعيد الخُدْرِيِّ رضي الله عنه قال: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «مَنْ رَأَى مِنْكُمْ مُنْكَرًا فَلْيُغَيِّرْهُ بِيَدِهِ، فَإِنْ لَمْ يَسْتَطِعْ فَبِلِسَانِهِ، فَإِنْ لَمْ يَسْتَطِعْ فَبِقَلْبِهِ، وَذَلِكَ أَضْعَفُ الْإِيمَانِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(48) – Abuu Sa'iid Al-kudriii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Isin irraa namni badii wohii arge harka isaatiin haa jijjiiru, kana yoo hin dandeenye arraba isaatiin, kanas yoo hin dandeenye immoo qalbii isaatiin, sun garuu irra dadhabaa iimaanaati". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga dandeettiitiin badii jijjiiruutti ajajan -inni hunda waan Rabbii fi Ergamaan Isaa irraa dhoorganiidha- Yeroo badii arge dandeettii kan qabu yoo ta'e harkaan jijjiiruun isa irratti dirqama ta'a, Sana yoo dadhabe immoo arraba isaatiin haa jijjiiru nama badii hojjatu badii sana irraa isa dhoorgee miidhaa isaa ifa isaaf godhee eegasii bakka badii kanaa gara toltuutti isa qajeelchuun, Sadarkaa isa kanaa yoo dadhabe immoo qalbii isaatiin haa jibbu, badiicha jibbuunii fi jijjiiruu kan danda'u osoo ta'ee nan jijjiira jedhee murteeffachuun, Badii jijjiiruu keessatti qalbiin jibbuun irra dadhabaa sadarkaa iimaanaati.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa badii ittiin jijjiiran ibsuu keessatti hadiisichi bu'uura.
2. Badii irraa dhoorguu keessatti sadarkaa sadarkaan dhoorguutti ajajuudha, hunduu akkuma dandeettii fi humna isaatiini.
3. Amantii islaamaa keessatti badii irraa dhoorguun hulaa guddaa kan eenyuu irraayyuu hin kufneedha, hundi muslimaatuu akka dandeettii isaatiin itti dirqamsiifama.
4. Toltuutti ajajuu fi badii irraa dhoorguun gosa iimaanaa irraayi, iimaanni ni dabalas ni hirdhatas.
5. Badii irraa dhoorguu keessatti hojiin sun badii ta'uu beekuun ulaagaa taasifama.
6. Akkasumas badii jijjiiruu keessatti badii irra guddaa fiduu dhabuunis ulaagaa taasifama.
7. Badii irraa dhoorguuf namuusaa fi ulaagaalee muslima

irratti isii barachuun barbaacisaa ta'eetu jira.

8. Badii irraa dhoorguun adeemsa shari'aa, beekumsaa fi hubannootti haajama.
9. Qalbiin jibbuu dhabuun dadhabina iimaanaatti akeeka.

(65001)

(49) – عَنِ النُّعْمَانِ بْنِ بَشِيرٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «مَثَلُ القَائِمِ عَلَى حُدُودِ اللَّهِ وَالوَاقِعِ فِيهَا، كَمَثَلِ قَوْمٍ اسْتَهَمُوا عَلَى سَفِينَةٍ، فَأَصَابَ بَعْضُهُمْ أَعْلاَهَا وَبَعْضُهُمْ أَسْفَلَهَا، فَكَانَ الَّذِينَ فِي أَسْفَلِهَا إِذَا اسْتَقَوْا مِنَ المَاءِ مَرُّوا عَلَى مَنْ فَوْقَهُمْ، فَقَالُوا: لَوْ أَنَّا خَرَقْنَا فِي نَصِيبِنَا خَرْقًا وَلَمْ نُؤْذِ مَنْ فَوْقَنَا، فَإِنْ يَتْرُكُوهُمْ وَمَا أَرَادُوا هَلَكُوا جَمِيعًا، وَإِنْ أَخَذُوا عَلَى أَيْدِيهِمْ نَجَوْا، وَنَجَوْا جَمِيعًا». [صحيح] - [رواه البخاري]

(49) – Nu'umaan bin Bashiir irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Fakkeenyi nama daangaa Rabbii irra dhaabbatuu fi nama daangaa sana keessatti argamuu, akka fakkeenya ummata doonii irratti hixaa buufatanii, gariin isaanii gubbaa doonii argatanii, gariin immoo jala ishee argataniiti. Eegasii warri jalaa bishaan yeroo barbaadan warra isaan gubbaa jiran irra darbanii waan waraabbataniif jecha ni jedhan: warra nu gubbaa osoo miidhuu baannee, qooduma keenya kana keessan qaawa baafannee, yoo jarri kuun jara kanaa fi waan isaan barbaadan itti dhiisan hundi isaanituu ni halaakaman, yoo harka isaanii qaban immoo isaan kun nagaa bahanii, isaan hundinuu nagaa bahu". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- warra daangaa Rabbii kabachiisan, ajaja Isaa irratti gadi dhaabbatanii fi waan gaaritti ajajanii waan hin taane irraa dhoowwaniif fakkeenya kaa'aniiru, Akkasumas warra daangaa Rabbii cabsan, kan waan gaarii hojachuu dhiisanii, waan hamaa hojjatanii fi hawaasni nagaa ta'uu keessatti dhiibbaa inni qabuuf fakkeenya kaa'an, sun akka fakkeenya ummata doonii yaabbatanii, isaan keessaa gubbaa doonii eenyuutu taa'aa fi jala ishee eenyuutu taa'aa irratti hixaa buufatanii, gariin isaanii gubbaa argatee gariin immoo jala argateeti, isaan jalaa bishaan waraabbachuu yeroo barbaadan isaan isaanin gubbaa jiran bira darbu, Warri jalaa ni jedhan:- warra nu gubbaa akka hin rakkifneef osoo Bakkuma keenya kanatti qaawa bishaan irraa waraabbannu baafannee, osoo warri gubbaa sana akka hojjatan isaan dhiisanii silaa doonin isaanuma hundaan bishaan keessa lixxe, yoo sana hojjachuu irraa isaan dhoorgan immoo isaan hundinuu nagaa bahan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hawaasa badii irraa baraaruu keessatti barbaachisummaa waan gaariitti ajajuu fi badii irraa dhorguun qabuudha.
2. Maloota barsiisuu keessaa inni tokko hiikowwan bifa waan qabatamaa taheetiin sammuuf dhiheessuuf jecha fakkeenya kaa'uudha.
3. Badii mul’atu hojjachuun balaaleffannaan jiraachuu dhabuu waliin hawaasa irratti miidhaa geessisa.
4. Warra dachii keessatti badii hojjatan dhiisuun halaakamuu (baduu) hawaasatiif sababaa guddaadha ta'a.

5. Gochi dogoggora taanaan niyyaan gaariin qofti hojiin tokko gaarii ta'uuf gayaa miti.
6. Itti gaafatamummaan hawaasa muslimaa keessatti qooddatamaadha malee nama tokko qofarratti hin dhaabbattu.
7. Yoo hin balaaleffatamne Badii dhuunfaatif jecha ummanni guutuun adabamuudha.
8. Warri hojii badaa hojjetan akkuma munaafiqootatti hojii isaanii badaa toltuu fakkeessanii hawaasaaf dhiheessu.

(3341)

(50) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «مَنْ دَعَا إِلَى هُدًى كَانَ لَهُ مِنَ الْأَجْرِ مِثْلُ أُجُورِ مَنْ تَبِعَهُ، لَا يَنْقُصُ ذَلِكَ مِنْ أُجُورِهِمْ شَيْئًا، وَمَنْ دَعَا إِلَى ضَلَالَةٍ كَانَ عَلَيْهِ مِنَ الْإِثْمِ مِثْلُ آثَامِ مَنْ تَبِعَهُ، لَا يَنْقُصُ ذَلِكَ مِنْ آثَامِهِمْ شَيْئًا».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(50) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Namni qajeellumaatti nama waame mindaa akka mindaa warra isa duuka bu'eeti argata, sun mindaa isaanii irraa homaa hin hirdhisu, namni karaa jal'inaatti nama waame immoo dilii irraa fakkaataa diliiwwan warra isa duuka bu'aniitu isa irratti ta'a, sun diliiwwan isaanii irraa homaa hin hirdhisu". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama jechaan yookaan gochaan karaa dhugaa fi gaarummaan isa keessa jirutti namoota waamee kakaase

mindaan akka mindaa warra isa duuka bu'anii osoo sun mindaa isaanii irraa homaa hin hirdhisne akka isaaf ta'u ibsan. Namni jechaan yookaan gochaan karaa sobaa fi hamaa dilii fi cubbuu of keessa qabutti nama waame immoo sun diliiwwan isaanii irraa osoo homaa hin hirdhisne faakkaataan dilii namoota isa hordofanii isa irratti ta'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Xiqqaatuu guddatuu karaa qajeellumatti nama waamuun sadarkaa inni qabuu fi waamaan fakkaataa mindaa nama hojjatee akka qabuudha, sun guddina tola Rabbiiti fi guutummina arjummaa Isaa irraayi.
2. Xiqqaas ta'ee guddaa karaa jal'inaatti nama waamuun rakkoo guddaa akka qabuu fi nama jal'inatti nama waamu irratti fakkaataan dilii nama dilii hojjatee akka jiruudha.
3. Mindaan faakkaatuma hojiiti, kanaafuu nama gara kheyritti nama waamu fakkaataa mindaa nama kheyrii sana hojjateetu isaaf ta'a, nama gara baditti nama waamu immoo fakkaataa dilii nama dilii sana hojjateetu isa irratti ta'a.
4. Namni Muslimaa tokko sababaa inni osoo namoonni isa arganii ifaan ifatti dilii raawwachuutiin akka namoonni badii keessatti fakkeenya isa hin godhanne of eeggannoo gochuudha qaba, inni osoo sana irratti nama kakaasullee baatee sababaa nama isa hordofeetiin yakkamaadha ta'a.

(3373)

(51) – عن أبي مسعود الأنصاري رضي الله عنه قال: جَاءَ رَجُلٌ إِلَى النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فَقَالَ: إِنِّي أُبْدِعَ بِي فَاحْمِلْنِي، فَقَالَ: «مَا عِنْدِي»، فَقَالَ رَجُلٌ: يَا رَسُولَ اللهِ، أَنَا

أَدُلُّهُ عَلَى مَنْ يَحْمِلُهُ، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مَنْ دَلَّ عَلَى خَيْرٍ فَلَهُ مِثْلُ أَجْرِ فَاعِلِهِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(51) – Abuu Mas'uud Al-ansaarii irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namichi tokko gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun malli na harkaa badee karaan natti cufame waanan yaabbadhee deemu naaf kenni jedheen, Nabiyyiinis "Hin qabu" jedhaniin, namichi tokko yaa ergamaa Rabbii, anatu nama yaabbannaa isaaf kennutti isa qajeelcha jedhee, ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: "nama toltuutti qajeelcheef fakkaataa mindaa nama isa hojjateetu isaaf jira". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Namichi tokko gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun akkas jedhe: yaabbannaan koo na jalaa badde, horii irratti na baadhu, yaabbannaa bakka dhimmaatiin na gahu naaf kenni, Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan kennanuuf akka hin qabne itti himani, namichi tokko kan isaan bira ture wohii, yaa ergamaa Rabbii, anaatu nama yaabbannaa isaaf kennutti isa qajeelcha jedhe, achumaan ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mindaa keessatti nama sadaqaa kennateen shariika akka inni ta'e himani, abbaa dhimmaa gara nama dhimma isaaf baasutti waan qajeelcheef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Toltuutti qajeelchuutti kakaasuudha.

2. Hojii khayrii hojjachuutti wol kakaasuun sababaa hawaasni muslimaa ittiin wol bira dhaabbatuu fi ittiin wol guutu keessaa isa tokkoodha.
3. Tolli Rabbii ol ta'ee bal'aa ta'uu isaati.
4. Hadiisichi foormulaa walii galaati, hundi hojii toltuu ta'ee isa keessa seena.
5. Ilmi namaa ofii isaatii fedhii gaafataa guutuun yoo hin miijjanneef, nama biraa kan guutuufii danda'utti isa qajeelcha.

(5354)

(52) – عَنْ سَهْلُ بْنُ سَعْدٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ يَوْمَ خَيْبَرَ: «لَأُعْطِيَنَّ هَذِهِ الرَّايَةَ غَدًا رَجُلًا يَفْتَحُ اللَّهُ عَلَى يَدَيْهِ، يُحِبُّ اللَّهَ وَرَسُولَهُ وَيُحِبُّهُ اللَّهُ وَرَسُولُهُ»، قَالَ: فَبَاتَ النَّاسُ يَدُوكُونَ لَيْلَتَهُمْ أَيُّهُمْ يُعْطَاهَا، فَلَمَّا أَصْبَحَ النَّاسُ غَدَوْا عَلَى رَسُولِ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كُلُّهُمْ يَرْجُو أَنْ يُعْطَاهَا، فَقَالَ: «أَيْنَ عَلِيُّ بْنُ أَبِي طَالِبٍ؟» فَقِيلَ: هُوَ يَا رَسُولَ اللَّهِ يَشْتَكِي عَيْنَيْهِ، قَالَ: «فَأَرْسِلُوا إِلَيْهِ»، فَأُتِيَ بِهِ فَبَصَقَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِي عَيْنَيْهِ وَدَعَا لَهُ، فَبَرَأَ حَتَّى كَأَنْ لَمْ يَكُنْ بِهِ وَجَعٌ، فَأَعْطَاهُ الرَّايَةَ، فَقَالَ عَلِيٌّ: يَا رَسُولَ اللَّهِ، أُقَاتِلُهُمْ حَتَّى يَكُونُوا مِثْلَنَا؟ فَقَالَ: «انْفُذْ عَلَى رِسْلِكَ حَتَّى تَنْزِلَ بِسَاحَتِهِمْ، ثُمَّ ادْعُهُمْ إِلَى الإِسْلاَمِ، وَأَخْبِرْهُمْ بِمَا يَجِبُ عَلَيْهِمْ مِنْ حَقِّ اللَّهِ فِيهِ، فَوَاللَّهِ لَأَنْ يَهْدِيَ اللَّهُ بِكَ رَجُلًا وَاحِدًا، خَيْرٌ لَكَ مِنْ أَنْ يَكُونَ لَكَ حُمْرُ النَّعَمِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(52) – Sahal bin Sa'ad irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Guyyaa Kheybar akkana jedhan: «Boru alaabaa kana nama Rabbiin harka isaa irratti injifannoo fidutti, kan inni Rabbii fi

Ergamaa Isaa jaallatu, Rabbii fi Ergamaanis kan isa jaallattanittin kenna». ni jedhe (Sahal): ummanni isaan keessaa isa kamitti kennama jedhanii yaaduudhaan halkan sana dabarsan, Yeroo bari'u ummanni gara Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hundi isaanii akka kennamuuf abdatanii deeman, ni jedhan (Rasuul sallallaahu aleyhi wasallam): «Aliyyi bin Abii Xaalib eessa jira?» ni jedhame: Inni yaa Ergamaa Rabbii ija isaa lamaan dhukkuba, ni jedhan: «Nama itti ergaa», eegasii isaan dhufamee, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ija isaa lamaan keessatti tufanii isaaf du'aa'ii godhanii, akka waan dhukkubbiin tokkolleen isa mudatee hin beekneetti fayye, ergasii alaabaa itti kennan, Aliyyis akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii hanga isaan nuun tokko ta'anitti isaanin nan lolaa? isaanis ni jedhan: «suuta jedhi, hanga eddoo isaanii keessa qubattutti, achiis gara Islaamummaatti isaan waami, Haqa Rabbii kan Islaamummaa keessatti isaan irratti dirqama ta'u itti himi, Rabbiin kakadhee gaala diimaa qabaachuu irra nama tokko Rabbiin sababaa keetin qajeelchuutu siif caala». [sirrii] - [Bukhaarii fi Muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- injifannoo Muslimoonni guyyaa itti aanutti yahuudota Kheybar irratti dhugoomsan, sunis kan harka nama tokkoo kan alaabaa isaaf kennan irratti ta'u Sahaabotatti himan, innis(alaabaan) alaabaa waraanni akka asxaa beeksisaatti itti fayyadamaniidha. Haala namicha kanaa keessaa inni Rabbii fi Ergamaa Isaa jaallachuu fi Rabbii fi Ergamaanis Isa jaallachuudha. Kabaja guddaa kana hawwuudhaan, Sahaaboonni halkan sana eenyuuf alaabaan sun kennama jedhanii mari'achaa haasa'aa bulan? Yeroo bari’u

hundi isaanii kabaja kana ni arganna jedhanii abdachuun gara nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- deeman.

Isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, Aliyyi bin Abii Xaalib eessa jira jechuun gaafatan?

ni jedhame: Inni ija isaa lamaan dhukkubsata.

Ergamaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- itti erganii waamanii, Hancufa isaanii irraa ija isaa keessatti tufanii du'aa'ii godhaniifii, akka waan dhukkubbiin tokkolleen isa mudatee hin beekneetti fayye, ergasii alaabaa itti kennanii, hamma inni masaraa diinaatti dhiyaatutti suuta jedhee akka deemu isa ajajan, akkasumas gara Islaamummaatti isaan waamu, sana keessatti yoo isa tole jedhan dirqamoota irraa waan isaan irratti dirqma ta'u isaanii himutti isa ajajan.

Sana booda sadarkaa gara Rabbiitti waamuun qabuu fi namni gara Rabbitti waamu qajeelluma nama tokkoof sababa kan tahu yoo tahe, gaala diimaa, kan qabeenya Arabootaa keessaa gatii guddaa qabu isa horachuu ykn sadaqaa kennuu irra isaaf caalaa akka tahe Aliyyiif ibsan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa Aliyyi bin Abii Xaalib -Rabbiin irraa haa jaallatu- qabuu fi Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Rabbii fi Ergamaan Isaa akka isa jaallatanii fi innis Rabbii fi Ergamaa Isaa kan jaallatu tahuun ragaa isaaf bahuudha.
2. Sahaabonni waan gaarii hojjechuuf fedhii guddaa akka qabanii fi gara isatti akka wal dorgomaniidha.
3. Yeroo qabsaa'an naamusa qabaachuu fi dallanuu fi sagalee nama rifachiisu kan dhimmi itti hin jirre dhiisuun

karaa tahuudha.

4. Ragaalee Nabiyyummaa isaanii keessaa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-, Yahuudoota irratti injifannoo akka galmeessanii fi ijji Aliyyii bin Abii Xaalib lamaan harka isaanii irratti hayyama Rabbiitin akka fayyitu himuu isaaniti.
5. Kaayyoon guddaan jihaada irraa namoonni gara Islaamummaatti seenuudha.
6. Gara Rabbii waamuun suuta suutaan taha, kanaaf jalqaba irratti nama kaafira tahe irraa wanni barbaadamu shahaadaa lamaan jechuun gara Islaamummaa seenuudha, Ergasii dirqamoota Islaamummaa raawwachutti ajajama.
7. Sadarkaa gara Islaamummaatti waamuun qabuu fi kheyrii irraa nama waamamuu fi kan waamufis waan isa keessa jiru ibsuudha, namni waamamu qajeeluu mala, namni waamu immoo mindaa guddaa argachuu danda'a.

(3409)

(53) – عن ابنِ عُمَرَ رضي الله عنهما قال: قال رسولُ الله صلَّى الله عليه وسلم: «مَن تَشَبَّهَ بِقَوْمٍ فَهُوَ مِنْهُمْ». [حسن] - [رواه أبو داود وأحمد]

(53) – Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namni ummata wohiitti fakkaate inni isaan irraayi". [hasani] - [Abuu Daawuudii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni ummattootatti fakkaate kaafiroota irraa ta'anus

yookaan finciltoota irraa ta'anus yookaan gaggaarii irraa ta'anus, aqiidaa yookaan ibaadaa yookaan aadaa irraa waan adda isaan godhu wahii hojjachuun namni isaanitti fakkaate inni isaan irraa akka ta'e himani; alaan jaratti fakkachuun keessaan gara jaratti fakkaachuutti waan nama geessuuf jecha, ummata wahiitti fakkachuun jara dinqisiifachuu irraa akka maddu mamiin hin jiru, kun gara jara jaallachuu, kabajuu fi gara jaraatti dabuutti geessuun isaa ni mala, kun immoo -Rabbiin nu haa eeguutii- keessoottii fi ibaadaadhaan gara jaratti fakkaachuutti nama gessuu isaatu mala -

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kaafirtootaa fi finciltootatti fakkaachuu irraa sodaachisuudha.
2. Worra gaggaariitti fakkachuu fi isaanitti hidhachuutti kakaasuudha.
3. Alaan wal fakkaachuun keessootti wol jaallachuu nama dhaalchisa.
4. Namichi akkaataadhuma itti fakkaannaa fi gosa itti fakkaannaatiin dinniinnii fi badiin isa qaqqaaba.
5. Amantii isaaniitii fi aadaawwan isaanii keessatti kaafirootatti fakkaachuu irraa dhoorguudha, waan sana hin taane akka ogummaa fi kan sana fakkaatan barachuun immoo dhoorgaa kana keessa hin galu.

(5353)

(54) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وسَلَّم قَالَ: «الرَّجُلُ عَلَى دِينِ خَلِيلِهِ، فَلْيَنْظُر أَحَدُكُم مَنْ يُخَالِل». [حسن] - [رواه أبو داود والترمذي وأحمد]

(54) – Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irra haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namtichi amantii hiriyaa isaa irratti taha, tokkoon keessan nama hiriyaa taasifatu haa ilaalu». [hasani] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ilmi namaa seenaa fi aadaa isaa keessatti hiriyaa fi saahiba isaa akka fakkaatu, hiriyummaan haala, amalaa fi sochiiwwan irratti dhiibbaa akka qabu ibsani, kanaaf filannaa hiriyaa tolchuutti ajajan; waan inni hiriyaa isaa gara iimaanaa, qajeelumaa fi toltuutti qajeelchuu fi hojii gaarii irratti hiriyaa isaatiif gargaaraa waan ta'uuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namoota gaggaariitti hidhachuu fi isaan filachuutti ajajuu fi namoota hamootti hidhachuu irraa dhoorguudha.
2. Fira osoo hin taane hiriyaa addatti baase; hiriyaa kan filatu wan si ta'eef jecha, obboleessii fi firri immoo filannoon kee keessa waan hin jirreef jecha.
3. Hiriyaa qabaachuun dirqama xiinxalaan ta'uu qabaadha.
4. Ilmi namaa mu'umintootatti hiriyoomuun amantaa isaa jabeeffatee, balleessitootatti hiriyoomuun immoo amantaa isaa dadhabsiisa.

(3122)

(55) – عن تَميم الداري رضي الله عنه، قال: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «لَيَبْلُغَنَّ هَذَا الأَمْرُ مَا بَلَغَ اللَّيْلُ وَالنَّهَارُ، وَلَا يَتْرُكُ اللهُ بَيْتَ مَدَرٍ وَلَا وَبَرٍ إِلَّا

أَدْخَلَهُ اللهُ هَذَا الدِّينَ، بِعِزِّ عَزِيزٍ أَوْ بِذُلِّ ذَلِيلٍ، عِزًّا يُعِزُّ اللهُ بِهِ الإِسْلَامَ، وَذُلًّا يُذِلُّ اللهُ بِهِ الكُفْرَ» وَكَانَ تَمِيمٌ الدَّارِيُّ يَقُولُ: قَدْ عَرَفْتُ ذَلِكَ فِي أَهْلِ بَيْتِي، لَقَدْ أَصَابَ مَنْ أَسْلَمَ مِنْهُمُ الْخَيْرُ وَالشَّرَفُ وَالْعِزُّ، وَلَقَدْ أَصَابَ مَنْ كَانَ مِنْهُمْ كَافِرًا الذُّلُّ وَالصَّغَارُ وَالْجِزْيَةُ.

[صحيح] - [رواه أحمد]

(55) – Tamiim Addaarii irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhuun dhaga'e: «Wallaahi Amantiin kun bakka halkanii fi guyyaan gahe ni gaha. Rabbiin mana dhoqqees ta'ee mana suufii Amantii kana osoo isa hin galchin hin dhiisu, jabeenya jabaatiin, ykn xiqqeenya xiqqaatatiin, Jabeenya Rabbiin Islaamummaa ittiin jabeessu fi xiqqeenya Rabbiin kufrii ittiin xiqqeessu» Tamiim Addaariin akkana kan jedhu tahe: jecha kana ani warra kiyya keessatti dhugumatti argeera, Nama isaan irraa Islaamummaa qabate dhugumatti kheyriin, kabajaa fi jabeenyi isa mudateera, Isaan keessaa nama kaafira tahe ammoo salphinni, xiqqeenyi fi gibirri dhugumatti isa mudateera. [sirrii] - [Ahmadtu gabaase]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Amantiin kun kutaalee dachii hundatti akka babal'atuu fi bakka halkanii fi guyyaan gaye kamuu Amantiin kun akka gayuu taa'u himani. Rabbiin mana tokko magaalaa, gandoota keessattii fi baadiyyaa keessatti osoo amantii kana hin galchin hin dhiisu. Namni amantii kana fudhatee itti amane jabeenya Islaamaatiin jabaa taha. Namni isa didee itti kafare salphataa xiqqaataa taha.

Eegasii sahaabichi Tamiim Addaariin, Rabbiin irraa haa

jaallatu, waan Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubbatan sana maatii isaa keessatti akka beeke hime, isaan keessaa namni islaamummaa qabate kheyrii, kabajaa fi jabeenya akka argate, isaan keessaa namni isa didee kafare ammoo horii irraa waan muslimtootaf kaffalu wajjiin salphina fi xiqqeenyi akka isa mudate hime.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Amantiin isaanii Islaamummaan kutaalee dachii hunda keessatti babal'atuuf taa'a jechuun muslimtootaaf gammachuu guddaa akka taheedha.
2. Jabeenyi Islaamaa fi Muslimootaf ta'uu fi xiqqeenyi ammoo kufrii fi kaafirootaf tahuudha.
3. Isa keessa Ragaa ragaalee nabiyyummaa keessaa tahee fi mallattoo mallattoolee isaa keessaa taheetu jira, innis waan fuulduratti argamu dubbatanii akkuma isaan jedhanitti argame.

(11220)

(56) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنْ رَسُولِ اللهِ صلى الله عليه وسلم أَنَّه قال: «وَالَّذِي نَفْسُ مُحَمَّدٍ بِيَدِهِ لَا يَسْمَعُ بِي أَحَدٌ مِنْ هَذِهِ الْأُمَّةِ يَهُودِيٌّ وَلَا نَصْرَانِيٌّ، ثُمَّ يَمُوتُ وَلَمْ يُؤْمِنْ بِالَّذِي أُرْسِلْتُ بِهِ إِلَّا كَانَ مِنْ أَصْحَابِ النَّارِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(56) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Isa lubbuun Muhammad harka Isaa jirtuunan kakadha, namni tokko ummatattii kana irraa yahuudaas ta'ee kiristaanas waan koo dhaga'ee, ergasii waan ani ittiin ergametti osoo hin amanin kan du'u yoo ta'e worra ibiddaa

irraa ta'u malee hin hafu". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni tokko ummata tana irraa Yahuudas ta'ee, yookaan Kiristaana yookaan kan biraa waamichi Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isa bira gayuun waa'ee isaanii dhaga'ee isaanitti osoo hin amanin kan du'u yoo ta'e worra ibiddaa irraa ta'u malee hin hafu, ibidda sanaan keessa abaditti kan turu haala ta'een jechuu irratti Rabbitti kakatan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ergaan Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- addunyaa guutuuf ta'uudha, akkasumas isaan hordofuun dirqama ta'uu fi hundummaan shari'aa shari'aa isaanitiin shaaramuudha.
2. Namni Nabiyyitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kafare Nabiyyoota birootti amane jechuun isaa isa hin fayyadu, hunda isaanirrattuu rahmannii Rabbii haa jiraatuu.
3. Namni waa'ee Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hin dhagayin, ergaan Islaamaas isa yoo hin qaqqabin inni uzriidha qaba, dhimma isaas Aakhiraatti Rabbii ol ta'eetu akka godhu beeka.
4. Yoo du'aaf dhihoo ta'ellee, hanga lubbuun qoonqoo (kokkee) hin geenyetti osoo dhukkuba cimaa keessallee jiraatee Islaamummaan faayyadamuun ni argamaadha.
5. Amantiin kaafirootaa -Yahuudaa fi kiristaanaa dabalatee- sirriidha jedhanii yaaduun kufriidha.
6. Yahuudaa fi Kiristaana hadiisicha keessatti kaasuun kan

birootif akeekkachiisa kennuufi, kunis Yahuudaa fi Kiristaanni kitaaba waan qabaniif jecha, sanuma waliin dhimmi isaanii yoo akkana t'e dhimmi warra biroo kan kitaaba hin qabnee ni cima; kanaafuu amantii isaanii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- keessa seenanii isaaniin buluun isaan hunda irratti dirqama.

(3272)

(57) – عَنْ ابْنِ عَبَّاسٍ رضي الله عنهما قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ غَدَاةَ الْعَقَبَةِ وَهُوَ عَلَى نَاقَتِهِ: «الْقُطْ لِي حَصًى» فَلَقَطْتُ لَهُ سَبْعَ حَصَيَاتٍ، هُنَّ حَصَى الْخَذْفِ، فَجَعَلَ يَنْفُضُهُنَّ فِي كَفِّهِ وَيَقُولُ: «أَمْثَالَ هَؤُلَاءِ فَارْمُوا» ثُمَّ قَالَ: «أَيُّهَا النَّاسُ، إِيَّاكُمْ وَالْغُلُوَّ فِي الدِّينِ، فَإِنَّما أَهْلَكَ مَنْ كَانَ قَبْلَكُمْ الْغُلُوُّ فِي الدِّينِ». [صحيح] - [رواه ابن ماجه والنسائي وأحمد]

(57) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ganama guyyaa Aqabaa haala gaala isaanii irratti ta'aniin akkana jedhan: "Dhagaa xixiqqaa akka cirrachaa naaf guuri" dhagaa torba xixiqqaan isaanif guure, isaanis dhagaa xixiqqaa akka dhagaa quba lameenin darbataniiti, eegasii isaan(Rasuulli) dhagaalee sana harka isaanii keessatti raasaa akkana jedhan: "fakkaattota isaan kanaatiin darbadhaa", eegasii ni jedhan: "Yaa ormana! amantii keessatti daangaa dabruu irraa fagaadhaa, baraa dhugumatti warra isin dura turan wanni balleesse amantii keessatti daangaa dabruudha". [sirrii] - [Ibnu Maajaaa, Nasa'ii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Ibnu Abbaas -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- hajjii dhaammannaa keessatti guyyaa qalmaa ganama yeroo Jamraa al-aqabaa darbatan Nabiyyii waliin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka ture hima, Dhagaa xixiqqaa boolla itti darbatan ofii isaanitiif guurutti isa ajajan, innis dhagaa xixiqqaa torba isaanif guure, tokkon isii irraa ta'e hanga firii shunburaati, Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isii harka ofii keessa kaa'aniiti isii sochoosanii akkana jedhan: Fakkaataa isiitiin darbadhaa, Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wantoota amantii keessatti daangaa darbuu irraa akeekkacchiisanii, amantii keessatti daangaa darbuun ummatoota amma dura darban akka balleesse himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Amantii keessatti daangaa darbuu irraa dhoorguu, booddeen isaa akka hamtuu taate fi inni sababaa halaakaa akka ta'e ibsuudha.
2. Dogoggoroota isaan raawwatan irraa fagaachuuf jecha ummatoota irraa warra dabraniin gorfamuun akka barbaachiisaa ta'eedha.
3. Sunnaa hordofuu irratti kakaasuudha.

(3395)

(58) – عن عبد الله بن مسعود رضي الله عنه، قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «هَلَكَ الْمُتَنَطِّعُون» قالها ثلاثًا. [صحيح] - [رواه مسلم]

(58) – Abdullaah ilma Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jeddhan: "Finxaaleyyoonni badan(worra daangaa darban, akka barbaachisuun alatti waa jajjabeessan)" yeroo sadii akkas jedhan. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hoongaa'uu fi kasaaraa worra diinii fi duniyaa, jechootaa fi hojiiwwan isaanii keessatti akka ta'uu maluun alatti waa jajjabeessuun, kan daangaa shari'aa Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ittiin dhufan darbanii himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Wontoota hunda keessatti humnaa ol waa jajjabeessuu fi humnaa ol of dirquun haraama ta'uu fi waan hunda keessatti isa irraa fagaachuutti kakaasuudha, keessattuu ibaadaa fi namoota gaggaarii guddisuu keessatti.
2. Ibaadaa fi waan biroo keessatti waan sirriitti guutame barbaaduun waan gaarii irraa ta'uu fi sun immoo shri'aa hordofuun akka ta'uu qabudha.
3. Wanta yaachisaa ta'e keessatti gadi jabeessuun jaallatamaa ta'uudha, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- himattii kana yeroo sadii waan irra deddeebi'anii himaniifi.
4. Gaarummaa Islaamaatii fi laafummaa isaa.

(3420)

(59) – عَنْ عَدِيِّ بْنِ حَاتِمٍ عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «الْيَهُودُ مَغْضُوبٌ عَلَيْهِمْ، وَالنَّصَارَى ضُلَّالٌ». [صحيح] - [رواه الترمذي]

(59) – Adiyyi bin Haatim irraa odeeffamee, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Yahuudoonni dheekkamsa Rabbii jala galanii jiru, Kiristaanonni immoo jallatoodha". [sirrii] - [Tirmiziitu gabaase]

Ibsaa:

Nbiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yahuudonni ummata Rabbiin itti dallane ta'uudha himan; Sababni isaas waan isaan dhugaa beekanii itti hin hojjatiniif jecha. Kiristaanonni immoo ummata karaa haqaa irraa maqan ta'uudha himan; sababni isaas beekumsa malee waan hojjataniif jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gidduu beekumsaa fi dalagaa walitti qabaachuun karaa warra irratti dallanameeti fi karaa warra karaa haqa irraa maqanii irraa nagaa nama baasaadha.
2. Karaa yahuudaa fi Kiristaanotaa irraa akeekkachiisuudha, akkasumas karaa qajeelaa Islaamummaa irratti cichuun barbaachisaa akka ta'eedha.
3. Hundummaan Yahuudotaa fi kiristaanotaa jallatoo fi irratti dallanamoo yoo ta'an, garuu ibsi adda ta'e Yahuudootaaf dallansuudha, ibsi adda ta'e kiristaanotaaf immoo jal'ina.

(65061)

(60) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بْنِ عَمْرِو بْنِ الْعَاصِ رضي الله عنهما قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «كَتَبَ اللهُ مَقَادِيرَ الْخَلَائِقِ قَبْلَ أَنْ يَخْلُقَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ بِخَمْسِينَ أَلْفَ سَنَةٍ، قَالَ: وَعَرْشُهُ عَلَى الْمَاءِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(60) – Abdullaah ilma Amrii ilma Aas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Rabbiin samiiwwanii fi dachii osoo hin uumiin woggaa kuma shantamaan duratti murtoowwan uumamtootaa barreessee jira, ni jedhan(Ergamaan): Arshiin Isaa bishaan gubbaadha jira". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin murtoo uumamtootaa waan argamuuf taa'u jireenya, du'a, rizqii fi wantoota kana fakkaatan kan biraa irraa adda babaasee lawhal mahfuuz(luuhii tikfamaa ta'e) irratti samiiwwanii fi dachii osoo hin uumin woggaa kuma shantamaan duratti akka barreessee jiru himan, isiin akkaataadhuma Rabbiin ol ta'e isii murteesseen argamtuudha. Wanti ta'u hundi murtoo Rabbiitii fi qadara isaatiin ta'a, Wanti gabricha tuqe isa dhabuu hin danda'u, wanti isa dhabe immoo isa tuquu hin danda'u.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Murtoo fi qadaratti amanuun dirqama ta'uu isaati.
2. Qadara jechuun: Rabbiin wantootii beekuu, isii barreessuu, isii fedhuu fi isii uumuudha.
3. Murtoowwan samiiwwanii fi dachiin uumamuun duratti

barreefamuutti amanuun jaalalaa fi garaa guutuun waan sana fudhachuudha bu'aa buusa.

4. Arshiin Rahmaan samiiwwanii fi dachiin uumamuun duratti bishaan irra tureedha.

(65038)

(61) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ مَسْعُودٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ: حَدَّثَنَا رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ وَهُوَ الصَّادِقُ المَصْدُوقُ: «أَنَّ خَلْقَ أَحَدِكُمْ يُجْمَعُ فِي بَطْنِ أُمِّهِ أَرْبَعِينَ يَوْمًا وَأَرْبَعِينَ لَيْلَةً، ثُمَّ يَكُونُ عَلَقَةً مِثْلَهُ، ثُمَّ يَكُونُ مُضْغَةً مِثْلَهُ، ثُمَّ يُبْعَثُ إِلَيْهِ المَلَكُ، فَيُؤْذَنُ بِأَرْبَعِ كَلِمَاتٍ، فَيَكْتُبُ: رِزْقَهُ وَأَجَلَهُ وَعَمَلَهُ وَشَقِيٌّ أَمْ سَعِيدٌ، ثُمَّ يَنْفُخُ فِيهِ الرُّوحَ، فَإِنَّ أَحَدَكُمْ لَيَعْمَلُ بِعَمَلِ أَهْلِ الجَنَّةِ حَتَّى لاَ يَكُونُ بَيْنَهَا وَبَيْنَهُ إِلَّا ذِرَاعٌ، فَيَسْبِقُ عَلَيْهِ الكِتَابُ، فَيَعْمَلُ بِعَمَلِ أَهْلِ النَّارِ فَيَدْخُلُ النَّارَ، وَإِنَّ أَحَدَكُمْ لَيَعْمَلُ بِعَمَلِ أَهْلِ النَّارِ حَتَّى مَا يَكُونُ بَيْنَهَا وَبَيْنَهُ إِلَّا ذِرَاعٌ، فَيَسْبِقُ عَلَيْهِ الكِتَابُ، فَيَعْمَلُ عَمَلَ أَهْلِ الجَنَّةِ فَيَدْخُلُهَا». [صحيح] - [متفق عليه]

(61) – Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu ni jedhe-: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan dhugaa dubbataa dhugeeffamaa kan ta'an akkas jechuun nuuf odeessan: «uumamni tokkoo keessanii garaa haadha isaa keessatti guyyaa afurtamaa fi halkan afurtamaaf wolitti qabama, eegasii guyyootuma fakkaataa sanaa keessatti dhiiga itite ta'a, eegasii ammas guyyootuma fakkaataa sanaa keessatti foon cittuu ta'a, eegasii malaaykaan gara isaatti ergamee, jechoota afuritti ajajama, rizqii isaa, beellama du'a isaa, hojii isaa fi hoonga'aa yookaan milkaa'aa ta'uu isaa barreessa, eegasii lubbuu isatti

afuufa, dhugumatti tokkoon keessan hanga isaafi jannata gidduutti dhundhuma tokko malee hin hafnetti hojii worra jannataa hojjatee, kitaabni isa irratti barreeffame isa dursuun hojii worra ibiddaa hojjatee ibidda seena. akkasuma dhugumatti tokkoon keessan hanga isaa fi ibidda gidduutti dhundhuma tokko malee hin hafnetti hojii worra ibiddaa hojjatee, kitaabni isa irratti barreeffame isa dursuun hojii worra jannataa hojjatee jannata seena». [sirrii] - [Bukhaarii fi muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ibnu mas'uud ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan jecha isaanii keessatti dhugaa dubbataa fi Rabbiin ol ta'e isaan dhugoomsuun dhugeeffamaa kan ta'an nuuf himani, ni jedhan: tokkoon keessan uumamni isaa walitti qabama, sun yeroo namtichi haadha manaa isaatiin wol qunnamtii saalaa raawwatee sanyiin hormaata dhiiraa adda faca'e garaa dhalaa keessatti guyyaa afurtamaaf sanyii hormaataa ta'ee walitti qabama, eegasii dhiiga ititaa ta'a, inni dhiiga furdaa gogaa ta'e dha, kun kan ta'u afurtameessoo lammaaffaa keessattidha, eegasii foon citaa ta'a, isiin cittuu foonii hanga nyaatamtu tokkoodha, kun kan ta'u afurtameessoo sadaffaa keessattidha, eegasii gara isaatti malaa'ikaan ergamuun, booda afurtamni sadeessoo dhumeetii lubbuu isatti afuufa, eegasii malaa'ikaan jechoota afur barreessuutti ajajama, isaanis: rizqii isaa, innis umurii isaa keesstii qananii irraa hanga inni argachuuf deemudha, akkasuma guyyaa du'a isaa, innis hanga inni duuniyaa keessa jiraatudha, akkasuma hojii isaa, maal inni? hoonga'aadha moo yookaan immoo milkaa'aadhaa. eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jechuun

kakatani, dhugumatti tokkoon keessan hojii worra jannataa hojjata, hojiin isaas gaarii ta'a, akkas jechuun waan namootatti mul'atuun keessatti, hanga isaafi jannata gidduutti dhundhumni tokko hafutti akkasumatti itti fufa, akkas jechuun gidduu isaatii fi isiitti ga'uu gidduutti kan hafu akkuma nama dachee keessaa iddoo wohii gahuuf jecha dhundhumni tokko isaaf hafeeti, eegasii kitaabni isaa fi wanti isa irratti murtaa'e isa inifata, yeroo san hojii worra ibiddaa hojjachuun isaan isaaf xumuramee ibidda seena; ulaagaan qeebaltii hojii isaa isa irratti ragga'uu fi isa jijjiiruu dhabuudha, namni gariin immoo hanga isii seenuutti dhihaatutti hojii worra ibiddaa hojjata, akka waan isaaf ibidda gidduutti dachiin hangi dhundhuma tokkoo haftetti, kitaabnii fi wanti isa irratti murtaa'e isa injifatee hojii worra jannataa hojjachuun jannata seena.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhuma irratti itti galli wontootaa gara waan murtoon dursee fi waan qadaraan darbeeti.
2. hojiiwwan xumura isaaniitiin madaalamu waan ta'eef hanga hojiitiin gowwoomuu irraa sodaachisuutu keessa jira.

(65037)

(62) – عن ابن مسعود رضي الله عنه قال: قال النَّبِيُّ صلى الله عليه وسلم: «الْجَنَّةُ أَقْرَبُ إِلَى أَحَدِكُمْ مِنْ شِرَاكِ نَعْلِهِ، وَالنَّارُ مِثْلُ ذَلِكَ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(62) – Ibnu Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Jannanni gara tokkoo

kessaniitti Haada kophee keessanii irra itti dhihaatti, ibiddis akkasuma". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti jannannii fi ibiddi ilma namaatti haada kophee gubbaa faanaa irra jiru caalaa dhihoo ta'uu himan, namni gariin ibaadaa waan Rabbiin jaallatu irraa tokko hojjatee isiidhaan jannata seenuun waan maluufi, yookaan badii tokko dalagee sababaa ibidda seenuu ta'uun isaa waan maluufi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Toltuutti kakaasuu yoo xiqqatellee, akkasumas hamtuu irraa sodaachisuu yoo xiqqaatellee.
2. Muslimaaf jireenya isaa keessatti kajeellaa fi sodaa wolitti qabuun dirqama akka ta'ee fi yeroo hundumaa haqa irratti ragga'uu Rabbiin kadhachuu akka qabuudha, bilisa akka ba'uuf jecha, akkasumas haala ofiitiin gowwoomuu akka hin qabneedha.

(3581)

(63) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قال: «حُجِبَتِ النَّارُ بِالشَّهَوَاتِ، وَحُجِبَتِ الْجَنَّةُ بِالْمَكَارِهِ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(63) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Ibiddi fedhiiwwaniin haguugamte, jannanni immoo waan jibbamaan haguugamte". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ibiddi haraama hojjachuu irraa yookaan dirqama keessatti hirdhisuu irraa wantoota lubbuun feetuun haguugamtee marfamtee akka jirtu ifa galchan. Namni sana keessatti lubbuu isaa fedhii isii hordofsiise ibidda haqa godhate. Jannanni wantoota lubbuun jibbituun haguugamtee marfamtee jirti, sun akka wantootii itti ajajaman irratti ragga'uu, wantootii haraama ta'an dhisuu fi isa irratti obsuudhaati, yoo isii weeraree sana irratti lubbuu ofiitti qabsaa'e jannata seenuu haqa godhate.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sabaabaawwan fedhiiwwan keessatti akka kufan nama taasisan keessaa sheyxaanni badiiwwanii fi waan fokkataa hanga lubbuun bareedaa gootee agartee gara isaatti dabdutti itti bareechuudha.
2. Fedhiiwwan haraama ta'an irraa fagaachuutti ajajuudha, waan isiin karaa ibiddatti geessituu taateef jecha, akkasumas waan nama jibbisiisu irratti obsuudha; waan isiin karaa jannatatti geessituu taateef jecha.
3. Sadarkaa lubbuu ofiitti qabsaa'anii, ibaadaa irratti tattaaffii gochuu fi waan jibbisiisuu fi ulfaatu tan kheyrii hojjatuun marsitee jirtu irratti obsuun qabuudha.

(3702)

(64) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنْ رَسُولِ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَمَّا خَلَقَ اللَّهُ الْجَنَّةَ وَالنَّارَ أَرْسَلَ جِبْرِيلَ عَلَيْهِ السَّلَامُ إِلَى الْجَنَّةِ، فَقَالَ: انْظُرْ إِلَيْهَا وَإِلَى مَا أَعْدَدْتُ لِأَهْلِهَا فِيهَا. فَنَظَرَ إِلَيْهَا فَرَجَعَ، فَقَالَ: وَعِزَّتِكَ لَا يَسْمَعُ بِهَا أَحَدٌ إِلَّا دَخَلَهَا. فَأَمَرَ

بِهَا فَحُفَّتْ بِالْمَكَارِهِ، فَقَالَ: اذْهَبْ إِلَيْهَا فَانْظُرْ إِلَيْهَا وَإِلَى مَا أَعْدَدْتُ لِأَهْلِهَا فِيهَا. فَنَظَرَ إِلَيْهَا، فَإِذَا هِيَ قَدْ حُفَّتْ بِالْمَكَارِهِ، فَقَالَ: وَعِزَّتِكَ لَقَدْ خَشِيتُ أَنْ لَا يَدْخُلَهَا أَحَدٌ. قَالَ: اذْهَبْ فَانْظُرْ إِلَى النَّارِ وَإِلَى مَا أَعْدَدْتُ لِأَهْلِهَا فِيهَا. فَنَظَرَ إِلَيْهَا فَإِذَا هِيَ يَرْكَبُ بَعْضُهَا بَعْضًا، فَرَجَعَ فَقَالَ: وَعِزَّتِكَ لَا يَدْخُلُهَا أَحَدٌ. فَأَمَرَ بِهَا فَحُفَّتْ بِالشَّهَوَاتِ، فَقَالَ: ارْجِعْ فَانْظُرْ إِلَيْهَا. فَنَظَرَ إِلَيْهَا فَإِذَا هِيَ قَدْ حُفَّتْ بِالشَّهَوَاتِ، فَرَجَعَ وَقَالَ: وَعِزَّتِكَ لَقَدْ خَشِيتُ أَنْ لَا يَنْجُوَ مِنْهَا أَحَدٌ إِلَّا دَخَلَهَا». [حسن] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي]

(64) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Rabbiin jannataa fi ibidda yeroo uumetti Jibriiliin -nagaan isarra haa jiraatu- gara jnnataatti ergee, akkas jedhe: gara isiitii fi gara waanan isii keessatti worra isiitiif qopheessee ilaali. Isii ilaalee eegasii deebi'uun akkas jedhe: jabina keetiinan kakadha namni tokko isii dhag'ee isii seenu malee hin hafu. Eegasii isitti ajajee waan jibbamaan marfamte, eegasii gara isii deemiitii isiidhaa fi gara waanan worra isiitiif isii keessatti qopheessee ilaali. Gara isii ilaalee, yeroo inni argu isiin waan jibbamaan marfamtee jirti, eegasii ni jedhe: jabina keetiinan kakadha namni tokkoyyuu isii seenuu dhabuun dhugumatti sodaadhe. ni jedhe: deemi gara ibiddaa fi gara waanan worra isiitiif isii keessatti qopheessee ilaali. gara isii ilaalee yeroo jedhu isiin gariin isii garii isii yaabbata, eegasii deebi'uun akkas jedhe: jabina keetiinan kakadha namni tokkoyyuu isii hin seenu. eegasii isiitti ajajee feedhiiwwaniin marfamte, eegasii ni jedhe: gara isiitti deebi'ii isii ilaali. isii ilaalee yeroo jedhu dhugaatti fedhiiwwaniin marfamtee jirti,

eegasii deebi'ee akkas jedhe: jabina keetiinan kakadha dhugaatti namni tokkoyyuu isii irraa akka hin baraaramnee fi isii seenu malee akka hin hafnen sodaadhe". [hasani] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Nasaa'iitu gabasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin yeroo jannataa fi ibidda uumee ka'utti, Jibiriiliin akkas akka jedhe himani: gara jannataatti deemii isii ilaaali, gara isii ilaalee eegaasii deebi'ee, Jibriil ni jedhe: Rabbii koo hoo, jabina keetiinan kakadha, namni tokko isiidhaa fi waan isii keessa jiru qananiiwwan, waan gaarii fi toltuuwwan isii irraa argee isii seenuu jaallatu malee hin hafu, isii seenuuf jechas hojjatu malee hin hafu. Eegasii Rabbiin waan jibbamaa fi waan ulfaataa akka waan itti ajajaman hojjachuu fi waan irraa dhoorgaman irraa fagaachuutiin jannata marse; nama isii seenuu fedhe irratti waan jibbamtuu sana darbuun dirqama ta'a. Eegasii Rabbiin ol ta'e booda waan jibbamtuun jannata marseetii ni jedhe: yaa Jibriil! gara jannataa deemii isii ilaali, Deemee gara isii ilaalee, eegasii dhufuun akkas jedhe: Rabbii koo hoo, jabina keetiinan kakadha sababa waan ulfaataa fi waan jabaataa karaa isii irra jiruuf jecha namni tokkoyyuu isii seenuu dhabuun sodaadha. Akkasumas Rabbiin yeroo ibidda uumee jedhetti, ni jedhe: yaa jibriil! deemii gara isii ilaali, innis deemee gara isii ilaale, Eegasii jibriil dhufee ni jedhe: Rabbii koo hoo!, jabina keetiinan kakadha namni tokko azaaba, rakkoowwanii fi tuttuqaawwan isii keessa jiru dhaga'ee isii seenuu jibbuun sababoowwan isiitti nama geessan irraa fagaatu malee hin hafu. Eegasii Rabbiin ibidda fedhiiwwanii fi waan mimmi'aawaan marsee karaa isiitti geessus isiidhaan taasisee, eegasii ni jedhe:

yaa Jibriil! deemii gara isii ilaali, Jibriilis deemee gara isii ilaalee, eegasii dhufee akkas jedhe: Rabbii koo hoo, jabina keetiinan kakadha dhugaan namni tokkoyyuu isii irraa bilisa akka hin baanee sodaadhee laphee baadheen jira; fedhiiwwanii fi wanti mimmi'aawoon naannawa isii waan marsaniif jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Jannannii fi ibiddi amma kana jiraachuudha.
2. Waan fagoo dhokataa fi hunda waan Rabbii fi Ergamaan Isaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa dhufetti amanuun dirqama ta'uu isaati.
3. Barbaachisummaa waan jibbamaa irratti obsuuti, isiin karaa jannatatti nama geessu waan taateef jecha.
4. Barbaachisummaa haraama irraa fagaachuuti; isiin karaa ibiddatti nama geessu waan taateef jecha.
5. Jannanni waan jibbamaan, ibiddi immoo fedhiiwwaniin kan marfaman ta'uun, inni akeeka rakkinaa fi qormaata jireenya duuniyaa keessa jiruuti.
6. Karaan jannataa cimaa fi ulfaataadha, iimaanaa waliin obsaa fi dadhabbiitti haajama, karaan ibiddaa immoo duuniyaa keessatti wantoota mimmi'aawoo fi fedhiiwwaniin guutamaadha.

(65034)

(65) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «نَارُكُمْ جُزْءٌ مِنْ سَبْعِينَ جُزْءًا مِنْ نَارِ جَهَنَّمَ»، قِيلَ: يَا رَسُولَ اللَّهِ، إِنْ كَانَتْ لَكَافِيَةً. قَالَ: «فُضِّلَتْ عَلَيْهِنَّ بِتِسْعَةٍ وَسِتِّينَ جُزْءًا كُلُّهُنَّ مِثْلُ حَرِّهَا». [صحيح] - [متفق عليه]

(65) – Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Ibiddi keessan ibidda jahannam qooda torbaatama irraa qooda tokkicha", ni jedhame: yaa ergamaa Rabbii isiinuu geessuu kan taate turtee mitii. isaanis: "(ibiddi jahannam ibidda lafaa irra harka jahaatamii sagaliin caalchifamtee jirti, hundi isiituu akka gubaa ibidda lafa irraati". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ibiddi duuniyaa ibidda jahannam qooda torbaatama irraa qooda tokko akka ta'e himan, Ibiddi aakhiraa humni gubaa isii gubaa ibidda duuniyaa irra qooda jaatamii sagaliin caalti, qoodni hunda isiituu gubaa ibidda duuniyaatiin wal qixxaata. Yaa ergamaa Rabbii ibiddi duuniyaatuu nama isii keessa seenu adabuuf geessuudha jedhame, Ergamaanis ni jedhan: ibiddi jahannam ibidda duuniyaa irra qooda jahaatamii sagaliin caalchifamte, hundi isiituu jabina gubaa isiitiin akka ibidda duuniyaati.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ibidda irraa nama sodaachisuutu keessa jira, hojii gara isiitti nama geessu irraa isaan fageessuuf jecha.
2. ibiddi jahannamii fi adabbiin isii guddoo ta'uu, akkasumas gubaan isiis jabaa ta'uu.

(65036)

(66) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «يَقْبِضُ اللَّهُ الأَرْضَ، وَيَطْوِي السَّمَوَاتِ بِيَمِينِهِ، ثُمَّ يَقُولُ: أَنَا المَلِكُ، أَيْنَ مُلُوكُ

الأَرْضِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(66) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhagaye: "Rabbiin lafa qabee, harka mirgaa Isaatiin samii walitti maree, eegasii akkana jedha: Ani mooticha, mootonni lafaa eessa jiru?" [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Guyyaa Qiyaamatti Rabbiin ol ta'e akka dachii walitti qabee, samii harka mirgaa Isaatiin walitti dachaasee, garii ishee garii irratti maree, akkasumas isheen deemee ishee xumuree, eegasii akkana akka jedhu himan: Ani mootiidha, Mootonni addunyaa eessa jiru?!

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Mootummaan Rabbii hafaa akka ta'ee fi mootummaan namoota biroo immoo deemaa akka ta'e yaadachiisuudha.
2. Guddina Rabbiiti fi guddina dandeettii Isaati, akkasumas guddina aangoo Isaati fi guutummina mootummaa Isaati.

(65028)

(67) – عَنْ عَائِشَةَ أُمِّ المُؤمنينَ رضي الله عنها قَالَتْ: دَخَلَ عَلَيَّ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، وَقَدْ سَتَرْتُ سَهْوَةً لِي بِقِرَامٍ فِيهِ تَمَاثِيلُ، فَلَمَّا رَآهُ هَتَكَهُ وَتَلَوَّنَ وَجْهُهُ وَقَالَ: «يَا عَائِشَةُ، أَشَدُّ النَّاسِ عَذَابًا عِنْدَ اللهِ يَوْمَ الْقِيَامَةِ الَّذِينَ يُضَاهُونَ بِخَلْقِ اللهِ» قَالَتْ عَائِشَةُ: «فَقَطَعْنَاهُ فَجَعَلْنَا مِنْهُ وِسَادَةً أَوْ وِسَادَتَيْنِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(67) – Aa'ishaa Haadha Mu’umintootaa irraa odeeffamee -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu- akkas jette: Mana meeshaa kiyya girdoo fakkii of keessaa qabuun hagoogee osoon jiruu Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- natti ol seenanii, yeruma isa argan fuulli isaanii jijjiiramee isa baqassanii, akkana jedhan: "Yaa Aa'ishaa, Guyyaa Qiyaamaa Rabbiin biratti warri irra cimaa adabbii adabaman warra uumama Rabbii wajjiin wal fakkeessani, Aa'ishaanis akkana jette: "isa mummurree boraatii tokko ykn lama irraa tolchine". [sirrii] - [Bukhaarii fi muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- mana isaanii Aa'ishaa irratti -Rabbiin irra haa jaallatu- ol seenanii, dhugumatti mana xiqqaa meeshaan isa keessa kaayamu girdoo of keessaa fakkii labbu qabeeyyii qabuun haala isheen hagoogdeen ishee arganii, aaranii bifti fuula isaanii jijjiiramee isa buqqisanii, akkas jedhan: Guyyaa Qiyaamaa Rabbiin biratti namoonni irra cimaa adabbii adabaman warra uumama Rabbii wajjiin wal fakkeessanii fakkii kaasani. Aa'ishaan akkana jette: "boraatii tokko ykn lama isa irraa tolchine”.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Waan sana keessatti badiin irra guddaa ta'e hin jiraatiniin badii yeroo arganitti mormuu fi booda aansuu dhabuudha.
2. Adabbiin Guyyaa Qiyaamaa akka guddina diliitin garaagarummaa qaba.
3. Lubbu qabeeyyii suuraa kaasuun diliiwwan gurguddoo ta'an irraayi.
4. Sababoowwan suuraa kaasuun dhorgameef keessaa inni

tokko uumama Rabbii ol ta'ee fakkeessuudha, namni suuraa kaasu sana yaadus ykn yaaduu baatus tokkuma.

5. Qabeenya waan isa keessatti haraama ta'u irraa fageessanii eeggatanii itti fayyadamuu irratti bolola shari'aan qabduudha.
6. Fakkii lubbu qabeeyyii bifa kamiinuu hojjechuu irraa dhorguudha, osoo xiqqeeffamtuu illee taatee.

(5931)

(68) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «وَالَّذِي نَفْسِي بِيَدِهِ، لَيُوشِكَنَّ أَنْ يَنْزِلَ فِيكُمْ ابْنُ مَرْيَمَ حَكَمًا مُقْسِطًا، فَيَكْسِرَ الصَّلِيبَ، وَيَقْتُلَ الخِنْزِيرَ، وَيَضَعَ الجِزْيَةَ، وَيَفِيضَ المَالُ حَتَّى لَا يَقْبَلَهُ أَحَدٌ». [صحيح] - [متفق عليه]

(68) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Isa lubbuun koo harka Isaa keessa jirtuun kakadhee, ilmi Maryam (Iisaan) haala daanyaa murtii haqaan murteessu ta'een isin keessatti bu'uun isaa ni dhihaata, yeroo sanatti fannoo kiristaanaa ni cabsa, karkarroo ni ajjeesa, gibira ni murteessa, horiinis hanga namni tokko kan isa qeebalu hin jiraannetti gad dhangal'a". [sirrii] - [Bukhaarii fi Muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haqa shari'aan Muhammad isaan dhufteen namoota giddutti akka murteessuuf jecha bu'iinsi Iisaa ilma maryam -nageenyi isa irratti haa jiraatu- dhihaachuu irratti kakatan, Fannoo (masqala) kiristaanonni kabaju akka cabsu himaniiru.

Iisaan -nageenyi isa irratti haa jiraatu- karkarroo akka ajjeesus himaniiru. Akkasumas Inni -nageenyi isa irratti haa jiraatu- gibira murteessee namoonni hundi akka amantii islaamaa qabatan taasisa. Maallaqnis ni dhangala'a, namni tokkolleen isa hin fudhatu; Kunis baay'ina isaatii fi namni hundinuu wahuma harka isaa keessa jiruun duroomuuf jechaadha, akkasumas barakaa buutee kheyriin adda addaa wal duraa boodaan dhufuuf jechaadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhuma yeroo irratti Iisaan -nageenyi isa irratti haa jiraatu- akka bu'u mirkaneessuu fi sunis mallattoowwan qiyaamaa irraa akka ta'e ibsuudha.
2. Shari'aa Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wanni ishee shaaru hin jiruudha.
3. Namoonni irraa dantaa dhabuu waliin Aakhira zamanatti horii keessatti barakoowwan bu'uudha.
4. Hanga dhuma addunyaatti Jiraachuu amantii Islaamaatiin gammachiisuudha, kunis Iisaan -nageenyi isa irratti haa jiraatu- dhuma addunyaa irratti Islaamummaan waan bulchuuf jecha.

(65025)

(69) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ لِعَمِّهِ: «قُلْ: لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، أَشْهَدُ لَكَ بِهَا يَوْمَ الْقِيَامَةِ»، قَالَ: لَوْلَا أَنْ تُعَيِّرَنِي قُرَيْشٌ، يَقُولُونَ: إِنَّمَا حَمَلَهُ عَلَى ذَلِكَ الْجَزَعُ لَأَقْرَرْتُ بِهَا عَيْنَكَ. فَأَنْزَلَ اللهُ: {إِنَّكَ لَا تَهْدِي مَنْ أَحْبَبْتَ وَلَكِنَّ اللهَ يَهْدِي مَنْ يَشَاءُ} [القصص: 56]. [صحيح] - [رواه مسلم]

(69) – Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbeeraa isaaniitiin ni jedhani: «Laa ilaaha illallaah jedhi, guyyaa qiyaamaatti isiidhaanin ragaa siif ba'aatii», innis ni jedhe: obsa dhabuutu amantaa isa jijjiirsise jettee osoo qurayshiin ittiin na arrabsuu baattee, silaa ittiin ija kee gammachiisa ture. eegasii Rabbiin akkana jechuu buuse: {ati nama feete hin qajeelchitu garuu Rabbiitu nama fedhe qajeelcha} [al-qasas:56]. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbeeraa isaanii abii xaalib yeroo inni machii du'aa keessa jirutti laa ilaaha illallaah akka jedhu isa irraa barbaadani, guyyaa qiyaamaa isiidhaan magantaa akka isaaf dhaabbatanii fi islaamummaan akka ragaa isaaf ba'aniif jecha, garuu inni qurayshiin isa arrabsuu sodaaf jecha shahaadaa jechuu dide, sodaa du'aatii fi dadhabbiif jecha islaamummaa fudhate isaan jedhuuf! eegasii inni nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhe: osoo sana sodaan hin jirree silaa shahaadaa jedheen gammachuu qalbii kee seensisan ture. akkasumas hanga ati jaallatutti yaada kees siifin guuta ture! eegasii Rabbiin ol ta'e aayaa isii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- islaamummaatti qajeeluma waffaquu of harkaa hin qabanu jechuu akeektu buuse. Rabbuma qofatu nama fedhe waffaqa. Nabiyyiin immoo -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akeekuu, ibsuu, qajeelfama kennuu fi gara karaa sirriitti waamuu qofaan ummata qajeelchuu danda'u.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haqni haasawa namootaa sodaaf jecha hin dhiifamu.
2. Nabiyyiin -Rabiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qajeelcha akeekaa fi qajeelfama kennuu qofa of harkaa qaban malee qajeelluma waffaquu of harkaa hin qaban.
3. gara islaamummaatti isa waamuuf jecha kaafira dhukkubsatu ziyaaruun eeyyamamaa ta'uu isaa.
4. haala kamuu keessatti bolola nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gama Rabbiitti waamuuf qabanu.

(65069)

(70) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرٍو رضي الله عنهما قَالَ: قَالَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «حَوْضِي مَسِيرَةُ شَهْرٍ، مَاؤُهُ أَبْيَضُ مِنَ اللَّبَنِ، وَرِيحُهُ أَطْيَبُ مِنَ المِسْكِ، وَكِيزَانُهُ كَنُجُومِ السَّمَاءِ، مَنْ شَرِبَ مِنْهَا فَلاَ يَظْمَأُ أَبَدًا». [صحيح] - [متفق عليه]

(70) – Abdullaah ilma Amrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Hawdiin koo (guddinni isaa) adeemsa ji'aati, bishaan isaa aannan irra adiidha, fooliin isaa miskii irra gaariidha, kubbaayyaan isaa akka urjii samiiti, namni isii irraa dhuge tasuma hin dheebotu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- guyyaa qiyaamaatti hawdii dheerinnii fi bal'inni isaa adeemsa ji'aa ta'e akka isaaniif jiru himani, Bishaan isaa aannan

irra haalaan adii akka ta'es himani, Fooliin isaas bareedaa foolii miskii caalaatti kan urgaa'u ta'uu himani, Kubbaayyaaleen isaa heddummina isii keessatti akka urjii samii akka taates himani, Namni kubbaayyotii sanaan hawdii irraa dhuge tasuma hin dheebotu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hawdiin Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- walitti qabama bishaan guddaa mu'umintoonni ummata isaanii irraa guyya qiyaamaa isa bu'anii irraa dhuganiidha.
2. Qananiin nama hawdicha irraa dhugeef argamuudha, inni yoomuu hin dheebotu.

(65030)

(71) – عَنْ أَبِي سَعِيدٍ الخُدْرِيِّ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «يُؤْتَى بِالْمَوْتِ كَهَيْئَةِ كَبْشٍ أَمْلَحَ، فَيُنَادِي مُنَادٍ: يَا أَهْلَ الجَنَّةِ، فَيَشْرَئِبُّونَ وَيَنْظُرُونَ، فَيَقُولُ: هَلْ تَعْرِفُونَ هَذَا؟ فَيَقُولُونَ: نَعَمْ، هَذَا المَوْتُ، وَكُلُّهُمْ قَدْ رَآهُ، ثُمَّ يُنَادِي: يَا أَهْلَ النَّارِ، فَيَشْرَئِبُّونَ وَيَنْظُرُونَ، فَيَقُولُ: وهَلْ تَعْرِفُونَ هَذَا؟ فَيَقُولُونَ: نَعَمْ، هَذَا المَوْتُ، وَكُلُّهُمْ قَدْ رَآهُ، فَيُذْبَحُ ثُمَّ يَقُولُ: يَا أَهْلَ الجَنَّةِ خُلُودٌ فَلَا مَوْتَ، وَيَا أَهْلَ النَّارِ خُلُودٌ فَلَا مَوْتَ، ثُمَّ قَرَأَ: {وَأَنْذِرْهُمْ يَوْمَ الحَسْرَةِ إِذْ قُضِيَ الأَمْرُ وَهُمْ فِي غَفْلَةٍ} [مريم: 39]، وَهَؤُلَاءِ فِي غَفْلَةٍ أَهْلُ الدُّنْيَا {وَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ} [مريم: 39]». [صحيح] - [متفق عليه]

(71) – Abuu Sa'iid al-khudrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Hoolaa buburree fakkeeffamee duuti qabamee fidama, waamaan tokko:

yaa warra jannataa, jedhee waama, isaanis hiixatanii ilaalu, kana beektuu? jedhaan, isaanis eeyyeen, kun du'a jedhuun, hundi isaaniituu dhugaan isa arganiiru, eegasii yaa warra ibiddaa jechuun waama, isaanis hiixatanii ilaalu, kana beektuu? jedhaan, isaanis ni jedhu: eeyyeen, kun du'a, hundi isaaniituu dhugumaan isa arganiiru, innis(duutis) ni gorra'ama eegasii ni jedha, yaa warra jannataa yeroo hunda jiraachuudha duuti hin jiru, yaa warra ibiddaa yeroo hunda jiraachuudha duuti hin jiru, eegasii aayaa tana ni qara'an: {Haala isaan daguu keessatti ta'aniin osoo isaan hin amanin yeroo dhimmichi murtaa'u, guyyaa gaabbii san isaan sodaachisi} [suuraa maryam: 39], isaan kun daguu worra duuniyaa keessa jiru {isaan hin amananu} [suuraa maryam: 39]". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- duuti guyyaa qiyaamaa hoolaa korbeessa adii fi gurraachi isa keessa jiru fakkeeffamee akka dhufu ibsani, eegasii ni waamama: yaa warra jannataa! mormawwanii fi gateettiwwa isaanii dheeressanii mataawwan isaanii ol fuudhanii ilaalu, kana beektuu? isaaniin jedhama: isaanis eeyyeen, kun du'a jedhu, hundi isaaniituu dhugaan isa arganii isa baraniiru, eegasii ammas waamaan tokko yaa warra ibiddaa jedhee waama: mormoowwan isaanii fi gateettiiwwan isaanii dheeressanii mataawwan isaani ol fuudhanii ilaalu, kana beektuu? jedha: eeyyeen, kun du'a jedhu, hundi isaaniituu dhugaan isa arganiiru; ni gorra'ama, eegasii waamaan ni jedha: yaa warra jannataa yeroo hundaa jiraachuudha duuti hin jiru, yaa warra ibiddaa yeroo hunda jiraachuudha duuti hin jiru. Sun mu'umintootaaf qananii keessa jiran irratti qananii dabalata

akka ta'uu fi kaafirtootaaf immoo adabbii keessa jiran irratti adabbii dabalataa akka isaaniif ta'uufi. Eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni qara'ani: {Haala isaan daguu keessatti ta'aniin osoo isaan hin amanin yeroo dhimmichi murtaa'u, guyyaa gaabbii san isaan sodaachisi} guyyaa qiyaamaa warra jannataa fi ibiddaa gidduu adda baafama, hunduu gara waan isatti deebifamee haala yeroo hunda isa keessa jiraataa ta'een seena, kan balleesse waan hin tolchiniif, kan gabaabbate toltuu waan hin dabalanneef ni gaabba.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Deebiin ilma namaa aakhiraatti jannata keessa yeroo hunda jiraachuu yookaan ibidda keessa yeroo hunda jiraachuudha.
2. ulfaatina guyyaa qiyaamaa irraa haalaan sodaachisuu fi inni guyyaa gaabbii ta'uu isaa.
3. gammachuun warra jannataa walitti dhaabbataa ta'uu fi gaddi warra ibiddaa walitti dhaabbataa ta'uu ibsuudha.

(65035)

(72) – عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه قال: إنه سمعَ نبيَّ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «لَو أَنَّكُمْ تَتَوَكَّلُونَ عَلَى اللهِ حَقَّ تَوَكُّلِهِ، لَرَزَقَكُمْ كَمَا يَرْزُقُ الطَّيْرَ، تَغْدُو خِمَاصًا وَتَرُوحُ بِطَانًا». [صحيح] - [رواه الترمذي وابن ماجه وأحمد]

(72) – Umar ilma khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Inni Nabiyyiidhaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuu dhaga'e: "Osoo isin hirkannaa dhugaa Rabbirratti hirkattanii,

akka allaattii razzaqutti silaa isiniis razzaqa ture, ganama garaa duwwaa bobbaatee galgala garaa guuttattee deebiti". [sirrii] - [Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi ngeenya isaan irratti haa buusu- Dhimmoota amantii fi duuniyaa keessatti bu'aa barbaaduu fi miidhaa deemsisuuf Rabbiin irratti akka hirkannu nu kakaasani, waan -Inni qulqullaa'ee ol ta'e- Isa malee kan kennuu fi kan dhoorgu, akkasumas kan miidhuu fi kan fayyadu hin jirreef jecha. Akkasumas sababoowwan bu'aa fidduu fi miidhaa deebistu hojjachuudha, dhugaan Rabbirratti hirkachuu waliin, yeroo sana hojjannetti Rabbiin akkuma allaattii ganama beelaan baatee, eegasii immoo galgala garaa guuttattee deebitu razzaquutti nuus razzaqa, hojiin allaattii kun gosa tokko kan sababoowwan rizqii barbaaduu irraa ta'eedha, hirkannaa sobaatii fi hifannaan maletti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa tawakkulli qabuu fi inni sababoowwan guddoo ittiin rizqiin barbaadamu keessaa tokko ta'uu isaati.
2. Tawakkulli sababoowwan hojjachuun wol hin faallessu, rizqii barbaaduu keessatti ganamaan bahanii galgalaa deebi'uun tawakkula dhugaatiin wol akka faallessine waan himaniif jecha.
3. Shari'aan hojiiwwan qalbiitiif bakka kennuudha, tawakkulli hojiii qalbii waan ta'eefi.
4. Sababoowwan qofa irratti rarra'uun hirdhina gama diiniiti, sababoowwan dhiisuun immo hirdhina aqliiti.

(4721)

(73) – عَن أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «يُسَلِّمُ الرَّاكِبُ عَلَى المَاشِي، وَالمَاشِي عَلَى القَاعِدِ، وَالقَلِيلُ عَلَى الكَثِيرِ». وَلِلبُخَارِي: «يُسَلِّمُ الصَّغِيرُ عَلَى الكَبِيرِ، وَالمَارُّ عَلَى القَاعِدِ، وَالقَلِيلُ عَلَى الكَثِيرِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(73) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan. "Namni yaabbate nama miilan lafa deemuun salaamataa jechuudha qaba, namni lafa deemu immoo nama taa'uun salaamataa jechuudha qaba, namoonni muraasnis namoota baay'een salaamataa jechuudha qaban". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatuu- namoota gidduutti naamusa salaamataa waliin jechuu irratti qajeelfama kennan "Assalaamu aleykum warahmatullaahi wabarakaatuh", Ijoolleen nama guddaan salaamataa jechuudha qaba, namni yaabbate immoo nama miilan deemu irratti salaammachuudha qaba, namni miilan deemu nama taa'aa jiru irratti salaammachuudha qaba, namoonni lakkoofsi isaanii xiqqaa ta'ees namoota lakkoofsi isaanii hedduu ta'e irratti salaammachuudha qaba.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Akkaataa hadiisicha keessatti dhufetti salaamataa waliin jechuun jaallatamaa ta'uudha, miilan namni deemu nama yaabbateen salaamataa yoo jedhe, akkasumas akkaataa hadiisicha keessatti dubbatame irraa faallaatti salaamataa waliin jechuun yoo argame ni danda'ama, garuu inni

caalaa fi filatamaa miti.

2. Akkaataa hadiisicha keessatti tuqameen salaamataa facaasuun wantoota wal jaallachuu fi walitti dhiheenyaf sababaa ta'an irraayi.
3. Wantoota dubbatan keessatti yoo wal qixa ta'an, irra caalan isaanii nama salaamataan dura eegaleedha.
4. Wantoota namoonni barbaadan hunda keessatti shari'aan islaamaa guutuu ta'uudha.
5. Naamusa salaamataa waliin jechuu barsiisuu fi abbaa haqaa hundaaf haqa isaa kennuudha.

(4243)

(74) – عن أبي ذر رضي الله عنه: عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِيمَا رَوَى عَنِ اللهِ تَبَارَكَ وَتَعَالَى أَنَّهُ قَالَ: «يَا عِبَادِي إِنِّي حَرَّمْتُ الظُّلْمَ عَلَى نَفْسِي، وَجَعَلْتُهُ بَيْنَكُمْ مُحَرَّمًا، فَلَا تَظَالَمُوا، يَا عِبَادِي كُلُّكُمْ ضَالٌّ إِلَّا مَنْ هَدَيْتُهُ، فَاسْتَهْدُونِي أَهْدِكُمْ، يَا عِبَادِي كُلُّكُمْ جَائِعٌ إِلَّا مَنْ أَطْعَمْتُهُ، فَاسْتَطْعِمُونِي أُطْعِمْكُمْ، يَا عِبَادِي كُلُّكُمْ عَارٍ إِلَّا مَنْ كَسَوْتُهُ، فَاسْتَكْسُونِي أَكْسُكُمْ، يَا عِبَادِي إِنَّكُمْ تُخْطِئُونَ بِاللَّيْلِ وَالنَّهَارِ وَأَنَا أَغْفِرُ الذُّنُوبَ جَمِيعًا فَاسْتَغْفِرُونِي أَغْفِرْ لَكُمْ، يَا عِبَادِي إِنَّكُمْ لَنْ تَبْلُغُوا ضَرِّي فَتَضُرُّونِي، وَلَنْ تَبْلُغُوا نَفْعِي فَتَنْفَعُونِي، يَا عِبَادِي لَوْ أَنَّ أَوَّلَكُمْ وَآخِرَكُمْ وَإِنْسَكُمْ وَجِنَّكُمْ كَانُوا عَلَى أَتْقَى قَلْبِ رَجُلٍ وَاحِدٍ مِنْكُمْ مَا زَادَ ذَلِكَ فِي مُلْكِي شَيْئًا، يَا عِبَادِي لَوْ أَنَّ أَوَّلَكُمْ وَآخِرَكُمْ وَإِنْسَكُمْ وَجِنَّكُمْ كَانُوا عَلَى أَفْجَرِ قَلْبِ رَجُلٍ وَاحِدٍ مَا نَقَصَ ذَلِكَ مِنْ مُلْكِي شَيْئًا، يَا عِبَادِي لَوْ أَنَّ أَوَّلَكُمْ وَآخِرَكُمْ وَإِنْسَكُمْ وَجِنَّكُمْ قَامُوا فِي صَعِيدٍ وَاحِدٍ فَسَأَلُونِي فَأَعْطَيْتُ كُلَّ إِنْسَانٍ مَسْأَلَتَهُ مَا نَقَصَ ذَلِكَ مِمَّا عِنْدِي إِلَّا كَمَا يَنْقُصُ الْمِخْيَطُ إِذَا أُدْخِلَ

الْبَحْرَ، يَا عِبَادِي إِنَّمَا هِيَ أَعْمَالُكُمْ أُحْصِيهَا لَكُمْ ثُمَّ أُوَفِّيكُمْ إِيَّاهَا، فَمَنْ وَجَدَ خَيْرًا فَلْيَحْمَدِ اللهَ، وَمَنْ وَجَدَ غَيْرَ ذَلِكَ فَلَا يَلُومَنَّ إِلَّا نَفْسَهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(74) – Abuu Zarri irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu-: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan Rabbii ol ta'e irraa odeessaniin keessatti Rabbiin akkas jedhe: "Yaa gabroottan koo ani lubbuu koo irratti miidhaa haraama taasiseen jira, gidduu keessanittis isa haraama taasiseen jira, wal hin miidhinaa, yaa gabroottan koo! hundi keessanuu jallataadha nama ani isa qajeelche malee, qajeeluma narra barbaadaa isinin qajeelchaa, yaa gabroottan koo! nama ani nyaachise malee hundumti keessanuu beela'aadha, nyaachisa narra barbaadaa isinini nyaachisaatii, yaa gabroottan koo! hundumti keessanuu qullaadha nama ani offise malee, uffisa narra barbaadaa isinin uffisaatii, yaa gabroottan koo! isiin halkanii fi guyyaa keesatti ni dogongortani ani immoo badii hundan dhiisa waan ta'eef dhiifama narra barbaadaa isiniifan dhiisaatii, yaa gabroottan koo! isin na miidhuutti geessanii na miidhuu hin dandeessanu, akkasumas na fayyaduutti geessanii na fayyadus hin dandeessanu, yaa gabroottan koo! osoo jalqabni keessanii fi xumurri keessan namaa fi jinniin keessan hundi haala qalbii nama isin keessaa irra Rabbiin sodaataa ta'ee irratti ta'anii sun aangoo kiyya irratti homaa hin dabalu, yaa gabroottan koo! osoo jalqabni keessanii fi xumurri keessan namaa fi jinniin keessan hundi haala qalbii nama isin keessaa irra cubbamaa ta'ee irratti ta'anii sun aangoo kiyya irraa homaa hin hir'isu, yaa gabroottan koo! osoo jalqabni keessanii fi xumurri keessan namaa fi jinniin keessan dirree tokko irra dhaabatanii na gaafatanii jennaan nama hundaafuu waan gaaffii isaa isaaf

kennee sun waan na bira jiru irraa hanga lilmeen bahra yeroo buute hir'istu malee homaa hin hir'isu, yaa gabroottan koo! isiin tun hojiidhuma keessan qofa isiidhuman isiniif lakkaa'a, eegasii isiidhuman mindaa isiniif galcha, kanaafuu namni toltuu arge Rabbiin haa galatoomfatu, waan sanaan alaa namni arge lubbuu isaa malee hin komatin) [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuudha ifa galchan: Rabbiin qulqullaa'ee ol ta'e miidhaa ofirratti haraama godhee, uumamaa Isaa gidduuttis miidhaa haraama godhe, kanaafuu namni kamuu nama kamuu miidhuu hin danda'u. Akkasumas uumamni hunduu qajeelcha Rabbiitii fi tawfiiqa Isaa malee karaa haqaa irraa jallataadha, nama Rabbiin qajeelcha kadhate Rabbiin isa waffaqee isa qajeelcha, Akkasumas uumamni hunduu dhimmoota isaanii hunda keessatti gama Rabbiitti rakkatoo fi Isatti haajamoodha, namni Rabbiin gaafate dhimma isaa isaaf baasa isaafis gahaadha, Akkasumas isaan halkanii fi guyyaa badii hojjatani, Rabbiin ol ta'e yeroo gabrichi dhiifama isa gaafatu isa sattaree irra isaaf darba, Akkassumas isaan waan tokkoon Rabbiin miidhuu yookaan fayyaduus hin danda'anu, Akkasumas osoo haala qalbii nama irra Rabbiin sodaataa ta'ee irratti ta'anis sodaan isaanii sun aangoo Rabbii irratti homaa hin dabaltu, Akkasumas osoo haala qalbii irra cubbamaa namaa irrattii ta'aniis cuubbuun isaanii sun aangoo Isaa irraa homaa hin hir'isu; isaan dadhaboo rakkatoo haala hunda, yeroo hundaa fi iddoo hunda keessatti gara Rabbiitti haajamoo waan ta'aniifi, Inni qulqullaa'e isatu dureessa of gahaadha, Akkasumas osoo namni isaanitii fi jinniin isaanii jalqabnii fi xumurri isaanii

bakka tokko dhaabbatanii Rabbiin gaafatanii jennaan hunda isaaniitiifuu waan isaan gaafatan kenneefii, sun waan Rabbiin bira jiru irraa homaa hin hir'isu, akka lilmee yoo bahra seensifamtee eegasii baafamtee jennaan baharri sanaan homaa hin hir'anneetti, kun durummaan Isaa -Inni qulqullaa'e- guutuu waan ta'eefi.

Rabbiin qulqullaa'e hojiiwwan gabrootaa tiksee isaan irratti lakkaa'a, eegasii guyyaa qiyaamaa isiidhumaan isaan mindeessa, kanaafuu namni mindaa hojii isaa khayrii haala ta'een arge Isaan buluutti waan isa qajeelcheef Rabbiin haa galatoomfatu, namni mindaa hojii isaa waan sanaan alaa ta'uu arge lubbuu isaa kan hamtuutti ajajdu isii kasaaratti isa geessite sana malee homaa hin komatin.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hadiisni kun hadiisota Nabyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbii isaanii irraa odeessan keessaa isa tokko yoo ta'u, innis hadiisa Al-qudsii yookaan hadiis Al-ilaahii jedhamuun waamama, inni hadiisa jechi isaatiifi hiikkaan isaa Rabbiin irraa ta'eedha, garuu qoodni Qur'aanni waan biraa irraa ittiin adda ta'e isa keessa hin jiru, sun akka isa qara'uun ibaadaa gochuu, isaaf xahaaraa godhachuu, isaan dadhabsiisuu (morkatuu), raajummaa qabaachuu fi kan birooti.
2. Beekumsa irraa yookaan qajeelluma gabrootaaf wanni argamu, qajeelchaa Rabbiitii fi barsiisa isaatiini.
3. Toltuu irraa wanti gabricha qunname tola Rabbii ol ta'ee irraayi, hamtuu irraa wanti isa mudate immoo lubbuu isaatii fi fedhii isaa irraayi.

4. Namni tolche tawfiiqa Rabbiitiini, mindaan isaatis tola Rabbiin irraa ta'e, faaruunis kanuma isaati, namni hamtuu hojjate lubbuu isaa malee homaa hin komatin.

(4810)

(75) – عَنْ جَابِرِ بْنِ عَبْدِ اللهِ رضي الله عنهما أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «اتَّقُوا الظُّلْمَ، فَإِنَّ الظُّلْمَ ظُلُمَاتٌ يَوْمَ الْقِيَامَةِ، وَاتَّقُوا الشُّحَّ، فَإِنَّ الشُّحَّ أَهْلَكَ مَنْ كَانَ قَبْلَكُمْ، حَمَلَهُمْ عَلَى أَنْ سَفَكُوا دِمَاءَهُمْ وَاسْتَحَلُّوا مَحَارِمَهُمْ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(75) – Jaabir bin Abdullaah irraa odeeffamee, Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Guyyaa Qiyaamaa miidhaan dukkana waan ta'uuf, miidhaa irraa of eeggadhaa, doqnyummaa bololaan waliinii irraas of eeggadhaa, baraa doqnyummaa bololaan waliinitu warra isin dura turan balleesse, Dhiiga isaanii akka dhangalaasan, akkasumas haraama isaanii akka halaala godhatan isaan taasiseera". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- miidhaa irraa akeekkachiisaniiru, miidhaa irraayi: namoota miidhuu, lubbuu ofii miidhuu fi haqa Rabbii ol ta'ee keessatti miidhaa geessuun, Innis Nama haqa qabu hundaaf haqa isaa kennuu dhiisuudha, miidhaan immoo guyyaa qiyaamaatti rakkinoowwanii fi sodaan cimaan isaanitti argamuu irraa kan ka'een warra isaa irratti dukkanoowwan ta'a, Doqnyummaa cimaa isa waliin bololli jiru irraa dhoorgan, isa irraayi haqoota qabeenyan wal qabatan geessuu keessatti dantaa dhabuu fi garmalee duniyaaf bololuun, Gosti miidhaa kun ummata nu

dura turan balleesse, gariin isaanii garii ajjeesuu fi waan Rabbiin haraama taasise halaala godhachuu irratti yeroo isaan kakaase keessatti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qabeenya kennuu fi obboloota jajjabeessuun sababoota jaalalaa fi walitti dhufeenyaaf sababa ta'an keessaa isa tokkoodha.
2. Doqnyummaa fi bololuun gara diliiwwan, safuu dhabuu, fi yakkoota raawwachutti nama geessan.
3. Haala ummatoota darbanii tilmaama keessa galchuun gorsa fudhachuudha.

(5787)

(76) – عن أبي موسى رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ اللهَ لَيُمْلِي لِلظَّالِمِ، حَتَّى إِذَا أَخَذَهُ لَمْ يُفْلِتْهُ» قَالَ: ثُمَّ قَرَأَ: «{وَكَذَلِكَ أَخْذُ رَبِّكَ إِذَا أَخَذَ الْقُرَى وَهِيَ ظَالِمَةٌ إِنَّ أَخْذَهُ أَلِيمٌ شَدِيدٌ}[هود: 102]» [صحيح] - [متفق عليه]

(76) – Abuu Muusaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin warra nama miidhuuf yeroo qabaaf, yeroo isa qabetti immoo gad isa hin dhiisu» ni jedhe: eegasii Aayaa qur'aanaa kana qara'ani: «{Akkuma kana Qabaan Rabbii keetii yeroo (warra) magaalotaa haala isiin miidhaa hojjattuun isii qabe, qabaan isaa akkaan laalessaa akkaan jabaadha} [suuraa Huud: 102]». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- badii fi shirkiin lubbuu ofii miidhuu fi haqa isaanii keessatti namoota miidhuu irraa sodaachisani, Rabbiin ol ta'e nama nama miidhuuf yeroo kennaaf, booda isa aansa, umurii fi qabeenya isaas ni dheereessa adabbii isatti hin jarjarsu; yoo hin toobanne miidhaan isaa waan heddummaateef qabaa gad isa hin lakkifne isa qaba.

Eegasii nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Aayaa Qur'aanaa kana qara'ani: {Akkuma kana Qabaan Rabbii keetii yeroo magaalota haala isiin miidhaa hojjattuun isii qabe, qabaan isaa akkaan laalessaa akkaan jabaadha} [suuraa Huud: 102].

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni sammuu qabu toobaatti ariifachuu qaba, badii irratti kan jiraatu yoo ta'e tooftaa Rabbii akka hin amanne.
2. Rabbiin zaalimtootaaf yeroo kennuun adabbiin isaanitti ariifachuu dhabuun, isaan daguu fi yoo kan hin toobanne ta'e adabbii isaanii dachaa taasisuufi.
3. zulmiin sababaawwan Rabbiin ummata ittiin adabu irraati.
4. Rabbiin magaalaa tokko yoo balleesse namoonni gaggaariin isii keessa jiraachuutu mala, isaan kun guyyaa qiyaamaa gaarii irraa waan irratti du'an irratti kaafamu, adabbiin duuniyaa isaan qaqqabuun isaan hin miidhu.

(5811)

(77) – عن ابن عباس رضي الله عنهما عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِيمَا يَرْوِي عَنْ رَبِّهِ عَزَّ وَجَلَّ قَالَ: قَالَ: «إِنَّ اللهَ كَتَبَ الْحَسَنَاتِ وَالسَّيِّئَاتِ، ثُمَّ بَيَّنَ ذَلِكَ، فَمَنْ هَمَّ

بِحَسَنَةٍ فَلَمْ يَعْمَلْهَا كَتَبَهَا اللهُ لَهُ عِنْدَهُ حَسَنَةً كَامِلَةً، فَإِنْ هُوَ هَمَّ بِهَا فَعَمِلَهَا كَتَبَهَا اللهُ لَهُ عِنْدَهُ عَشْرَ حَسَنَاتٍ إِلَى سَبْعِمِائَةِ ضِعْفٍ، إِلَى أَضْعَافٍ كَثِيرَةٍ، وَمَنْ هَمَّ بِسَيِّئَةٍ فَلَمْ يَعْمَلْهَا كَتَبَهَا اللهُ لَهُ عِنْدَهُ حَسَنَةً كَامِلَةً، فَإِنْ هُوَ هَمَّ بِهَا فَعَمِلَهَا كَتَبَهَا اللهُ لَهُ سَيِّئَةً وَاحِدَةً». [صحيح] - [متفق عليه]

(77) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan Rabbii isaanii irraa odeessaniin keessatti akkana jedhan: Rabbiin akkana jedhe: "dhugumatti Rabbiin toltuu fi badduus barreessee, eegasii sana ifa galchee jira, namni toltuu tokko yaadee osoo isii hin hojjatin hafe Rabbiin toltuu guutuu godhee of biratti isaaf barreessa, yoo isii yaadee isii hojjate immoo of biratti toltuu kudhanii hanga dachaa dhibba torbaatti hanga dachaawwan hedduutti isaaf barreessa, namni badii tokko yaadee osoo isii hin hojjatin hafe Rabbiin toltuu guutuu of biratti isaaf barreessa, yoo isii yaadee isii hojjate immoo Rabbiin badii tokko qofa isa irratti barreessa". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin toltuu fi badduu murteessee eegasii akka itti isii barreessan Maleekaa lameenif ibse jichuudha ifa galchan:

Namni toltuu hojjachuu fedhee yaadee isii hojjachuu irratti murteeffatee ka'e toltuu tokkotu isaaf barreeffama, yoo isii hin hojjannellee, yoo isii hojjate immoo fakkaattii isii kudhaniin hanga dachaa dhibba torbaa hanga dachaawwan hedduutti dachaa isaaf godhama, dabalanni akkaataa ikhlaasa qalbii,

faaydaan isaa darbaa ta'uu fi kan sana fakkaatanuun ta'a.

Akkasuma namni badii hojjachuu fedhee yaadee isii hojjachuu murteeffatee ka'ee eegasii Rabbiif jecha isii dhiise toltuu godhamee isaaf barreeffama, yoo immoo dhimma biraatiin isii irraa qabamee sababaawwan isii osoo hin hojjatin dhiise homaa isaaf hin barreeffamu, isii hojjachuu dadhabuun yoo isii dhiise immoo yaada isaatu isa irratti barreeffama, yoo isii hojjate immoo badii tokkootu isa irratti barreeffama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Toltuu dachaa taasisee of biratti isii barreessuu fi badii immoo dachaa taasisuu dhabuu keessatti tola guddaa Rabbiin ummata kana irratti oole ifa galchuudha.
2. Hojii keessatti barbaachisummaa niyyaatii fi bu'aa isii ibsuudha.
3. Kenna Rabbii ol tahee, mararfannaa Isaatii fi tola Isaa irraa namni toltuu tokko yaadee ka'ee isii osoo hin hojjatin hafe Rabbiin toltuutti isaaf isa barreessa.

(4322)

(78) – عَنِ ابْنِ مَسْعُودٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ، قَالَ: قَالَ رَجُلٌ: يَا رَسُولَ اللهِ، أَنُؤَاخَذُ بِمَا عَمِلْنَا فِي الْجَاهِلِيَّةِ؟ قَالَ: «مَنْ أَحْسَنَ فِي الْإِسْلَامِ لَمْ يُؤَاخَذْ بِمَا عَمِلَ فِي الْجَاهِلِيَّةِ، وَمَنْ أَسَاءَ فِي الْإِسْلَامِ أُخِذَ بِالْأَوَّلِ وَالْآخِرِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(78) – Ibnu Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namtichi tokko ni jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, waan jaahiliyyaa (bara doofummaa ergamuu isaaniitiin duraa) keessatti hojjanneen ni qabamnaa?, isaanis ni jedhan: " Islaamummaa keessatti namni tolche waan jaahiliyyummaa

keessatti hojjateen hin qabamu, islaamummaa keessatti namni balleesse immoo isa duraa fi isa boodaatiifis ni qabama". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- sadarkaa islaamummaatti seenuun qabu ibsani, Dhugumatti namni qulqulluu fi nama dhugaa ta'ee islaamummaan isaa tole; badii irraa waan jaahiliyyaa keessatti (islaamummaatti osoo hin dhufiniin duratti) hojjateef hin herregamu, Namni islaamummaa keessatti balleesse munaafiqa ta'uun yookaan amantaa isaa irraa deebi'uun, waan kufrii fi islaamummaa keessatti hojjateef ni herregama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hojiiwwan jibbamaa jaahiliyyaa keessatti isaan irraa argameef Xiyyeeffannoo kennuu sahaabotaa fi sodaa isaaniiti -jaalalli Rabbii isaan irra haa jiraatu-.
2. Islaamummaa irratti gadi dhaabbachuutti kakaasuudha.
3. Sadarkaa islaamummaatti seenuun qabuudha, inni dhugumatti hojiiwwan darban ni haqa.
4. Namni islaamummaa irraa garagalee fi munaafiqni, hunda hojii isaa jaahiliyyimmaa keessatti darbeef ni herregama, akkasumas hunda badii islaamummaa keessatti hojjateefis.

(65002)

(79) – عَنِ ابْنِ عَبَّاسٍ رَضِيَ اللهُ عَنْهُمَا: أَنَّ نَاسًا مِنْ أَهْلِ الشِّرْكِ، كَانُوا قَدْ قَتَلُوا وَأَكْثَرُوا، وَزَنَوْا وَأَكْثَرُوا، فَأَتَوْا مُحَمَّدًا صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فَقَالُوا: إِنَّ الَّذِي تَقُولُ وَتَدْعُو إِلَيْهِ لَحَسَنٌ،

لَوْ تُخْبِرُنَا أَنَّ لِمَا عَمِلْنَا كَفَّارَةً، فَنَزَلَ {وَالَّذِينَ لَا يَدْعُونَ مَعَ اللهِ إِلَهًا آخَرَ وَلَا يَقْتُلُونَ النَّفْسَ الَّتِي حَرَّمَ اللهُ إِلَّا بِالْحَقِّ وَلَا يَزْنُونَ}[الفرقان: 68]، وَنَزَلَت: {قُلْ يَا عِبَادِيَ الَّذِينَ أَسْرَفُوا عَلَى أَنْفُسِهِمْ لَا تَقْنَطُوا مِنْ رَحْمَةِ اللهِ} [الزمر: 53]. [صحيح] - [متفق عليه]

(79) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu: Namoonni warra shirkii irraa ta'an tokko, dhugumatti kan ajjeesanii ajjeechaa baay'isanii fi heddumminaan kan zinaa raawwatan ta'an, sana booda gara Nabi Muhaammad -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhufanii akkas jedhaniin: Dhugumatti Inni ati jettuu fi itti waamtu kun gaariidha, Waan hojjenne kanaaf araarri jiraachuu osoo nutti himtee, Aayaan Qur'aanaa tun ni buute: {(gabroonni Rabbii ammas) Warra Rabbiin wajjin gabbaramaa biraa hin waamanne, akkasumas warra lubbuu Rabbiin ajjeechaa isii haraama taasise haqaan maletti hin ajjeesne fi warra sagaagalummaa hin raawwanneedha} [Furqaan: 68], Aayaan biraas ni buute: {Jedhi: Yaa gabroota kiyya kan ofirratti daangaa dabritan, rahmata Rabbii irraa abdii hin kutatinaa} [Zumar: 53] [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Namoonni mushrikoota ta'an tokko gara Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- ni dhufan, isaan kun Ajjeechaa fi sagaagalummaa baay'inaan dhugumatti kan raawwatan turan, Nabiyyichaan akkana jedhan:- Wanti ati Islaamummaa fi barsiisa isaa irraa gara isatti waamtu waan gaariidha, garuu haalli keenya fi shirkii fi diliiwwan gurguddaa irraa wanni nuti isa keessatti kufne maal fakkaata, araara ni qabaa?

Egaa keeyyattoonni lamaan kan bu'an yoo ta’u, Rabbiin

cubbuun baay'ee fi guddaa ta'us namoota irraa towbaa ni qeebala. Osoo sun ta'uu baatee silaa namoonni kufrii fi jallina isaanii itti fufanii amantii kanas hin seenan ture.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa fi guddina Islaamummaan qabuudha, akkasumas inni diliiwwan irraa waan isa dura dabre akka diiguudha.
2. Rahmanni Rabbiin gabroota isaatif godhu bal'aa ta'uudha, akkasumas araaramnii fi dhiifamni Inni isaanif godhu bal'aa ta'uudha.
3. Shirkii, lubbuu haqaan maletti ajjeesuu fi sagaggaalummaa haraama taasisuudha, akkasumas warra cubbuu kana hojjatan doorsisuu of keessaa akka qabuudha.
4. Towbaan dhugaa tan ikhlaasa fi hojii gaarii of keessaa qabdu Rabbii ol ta'etti kafaruu dabalatee dilii gurguddaa hunda akka haqxuudha.
5. Rahmata Rabbii irraa abdii kutachuun haraama ta'uudha.

(65071)

(80) – عَنْ حَكِيمِ بْنِ حِزَامٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ، قَالَ: قُلْتُ: يَا رَسُولَ اللَّهِ، أَرَأَيْتَ أَشْيَاءَ كُنْتُ أَتَحَنَّثُ بِهَا فِي الجَاهِلِيَّةِ مِنْ صَدَقَةٍ أَوْ عَتَاقَةٍ، وَصِلَةِ رَحِمٍ، فَهَلْ فِيهَا مِنْ أَجْرٍ؟ فَقَالَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أَسْلَمْتَ عَلَى مَا سَلَفَ مِنْ خَيْرٍ». [صحيح] - [متفق عليه]

(80) – Hakiim ilma Hizaam irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nin jedhe:Yaa ergamaa Rabbii, jaahiliyyaa keessatti sadaqaa yookaan gabra bilisa baasuu fi firooma fufuu irraa wantoota an ittiin gabbara raawwadhuutu

ture, isii keessatti mindaan naaf jiraa? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "toltuu darbee waliin islaamummaa fudhatte". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kaafirri yeroo islaamummaatti seene dhugumatti inni sadaqaa yookaan garbicha bilisa baasuu yookaan firooma fufuu irraa hojiiwwan gaggaarii waan islaamummaan duratti jaahiliyyummaa keessatti hojjataa ture irratti akka mindeeffamu ibsani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Toltuuwwan kaafiraa kan adduunyaa keessatti hojjate yoo kufrii isaa irrattti du'e aakhiraatti isiin hin mindeeffamu.

(65016)

(81) – عَنْ أَنَسِ بْنِ مَالِكٍ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِنَّ اللهَ لَا يَظْلِمُ مُؤْمِنًا حَسَنَةً، يُعْطَى بِهَا فِي الدُّنْيَا وَيُجْزَى بِهَا فِي الْآخِرَةِ، وَأَمَّا الْكَافِرُ فَيُطْعَمُ بِحَسَنَاتِ مَا عَمِلَ بِهَا لِلَّهِ فِي الدُّنْيَا، حَتَّى إِذَا أَفْضَى إِلَى الْآخِرَةِ، لَمْ تَكُنْ لَهُ حَسَنَةٌ يُجْزَى بِهَا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(81) – Anas ilma Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Rabbiin toltuu tokkollee mu'umina hin miidhu, duuniyaatti isiidhaan kennama, aakhiraatti immoo isiidhaan mindeeffama, kaafirri immoo toltuuwwan Rabbiif jecha hojjateen duuniyaatti nyaachifama,

yeroo gara aakhiraatti ce'etti, toltuun isiidhaan mindeeffamu isaaf hin jiru". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- tola Rabbii guddaa mu'umintoota irra jiruu fi kaafiraa waliin haqummaa Rabbiin qabu ibsani. Mu'uminni immoo mindaan toltuu inni hojjatee hin hir'ifamu; inumaayyuu mindaa aakhiraatti ol isaaf kaa'amu waliin ajajamuu isaatif jecha isiidhaan duuniyaa irratti toltuun kennamaaf; mindaan isaa hunduu aakhiraatti ol isaaf kaa'amuunis ni mala. Kaafira immoo mindaa waan inni hojjatee toltuuwwan duuniyaatiin Rabbiin isaaf kenna, yeroo gara aakhiraatti ce'e immoo isii keessatti mindaan inni isiin mindeeffamu hin jiru; sababni isaas namni hojii gaarii ganda lameenitti nama fayyadu hojjatu mu'umina ta'uun isaa waan dirqama ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nama kufrii irratti du'e hojiin isa hin fayyaduudha.

(65015)

(82) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فِيمَا يَحْكِي عَنْ رَبِّهِ عَزَّ وَجَلَّ، قَالَ: «أَذْنَبَ عَبْدٌ ذَنْبًا، فَقَالَ: اللَّهُمَّ اغْفِرْ لِي ذَنْبِي، فَقَالَ تَبَارَكَ وَتَعَالَى: أَذْنَبَ عَبْدِي ذَنْبًا، فَعَلِمَ أَنَّ لَهُ رَبًّا يَغْفِرُ الذَّنْبَ، وَيَأْخُذُ بِالذَّنْبِ، ثُمَّ عَادَ فَأَذْنَبَ، فَقَالَ: أَيْ رَبِّ اغْفِرْ لِي ذَنْبِي، فَقَالَ تَبَارَكَ وَتَعَالَى: عَبْدِي أَذْنَبَ ذَنْبًا، فَعَلِمَ أَنَّ لَهُ رَبًّا يَغْفِرُ الذَّنْبَ، وَيَأْخُذُ بِالذَّنْبِ، ثُمَّ عَادَ فَأَذْنَبَ، فَقَالَ: أَيْ رَبِّ اغْفِرْ لِي ذَنْبِي، فَقَالَ تَبَارَكَ وَتَعَالَى: أَذْنَبَ عَبْدِي ذَنْبًا، فَعَلِمَ أَنَّ لَهُ رَبًّا يَغْفِرُ الذَّنْبَ، وَيَأْخُذُ بِالذَّنْبِ، اعْمَلْ مَا شِئْتَ فَقَدْ غَفَرْتُ لَكَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(82) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isarraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan Rabbii isaanii irraa odeessan keessatti Rabbiin akkana jedhe: "Garbichi tokko badii wohii balleessee ka'ee akkas jedhe: yaa Rabbi badii koo naaf dhiisi, Rabbiin -qulqullaa'ee ol ta'e- ni jedhe: gabrichi koo badii balleessee ka'ee, akka Rabbiin badii isaaf dhiisuu fi badiidhaan isa qabu isaaf jiru beeke, eegasii ammas deebi'ee badii balleessee ka'ee akkas jedhe: Rabbii koo badii koo naaf dhiisi, Rabbiinis -qulqullaa'ee ol ta'e- ni jedhe: gabrichi koo badii balleessee ka'ee, akka Rabbiin badii isaaf dhiisuu fi badiidhaan isa qabu isaaf jiru beeke, eegasii ammas deebisee badii balleessee ka'ee akkas jedhe: Rabbii koo badii koo naaf dhiisi, Rabbiinis -qulqullaa'ee ol ta'e- ni jedhe: gabrichi koo badii balleessee ka'ee, akka Rabbiin badii isaaf dhiisuu fi badiin isa qabu isaaf jiru beeke, waan feete hojjadhu dhugumatti siif dhiiseen jira". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbii isaanii irraa odeessani: Gabrichi yoo badii ballleessee eegasii: yaa Rabbi badii koo naaf dhiisi jedhe: Rabbiin ol ta'es ni jedha: gabrichi koo badii hojjatee, akka Rabbiin badii isaaf dhiisee isa sattaree irra isaaf darbu yookaan isa irratti adabu jiru beekee jennaan, dhugaan isaaf dhiise. Eegasii gabrichi deebi'ee badii balleessee ka'ee akkas jedhe: yaa Rabbi badii koo naaf dhiisi, Rabbiis ni jedhe: gabrichi koo badii balleessee, akka Rabbiin badii isaaf dhiisee, isa sattaree irra isaaf darbu jiru yookaan isa irratti kan adabu akka jiru beeke, dhugumatti gabricha kootiif dhiiseen jira. Eegasii gabrichi

deebi'ee badii balleesse, akkas jedhe: yaa Rabbi badii koo naaf dhiisi, Rabbiis ni jedhe: gabrichi koo badii hojjatee, akka Rabbiin badii isaaf dhiisee, isa sattaree irra isaaf darbu yookaan isa irratti adabu akka jiru beeke, dhugumatti gabricha kootiif dhiiseen jira, waan yeroo badii hojjate hunda badii sana dhiisee gaabbee akka lammata isatti hin deebine murteeffateen waan barbaade haa hojjatuu, garuu lubbuun isaa isa injifattee yeroo biraas badii keessatti kufa, hanga akkas hojjataa ta'etti badii hojjatee toobatetti ani isaafan dhiisa, tawbaan waan isii duraa waan diigduuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gabrootaan Isaatiif bal'ina rahmata Rabbiiti agarsiisa, ilmi namaa hangamuu badii balleessu hangamuu hojjatu yoo toobatee gara Isaatti deebi'e Rabbiin isa irratti towbaa deebi'a.
2. Namni Rabbii ol ta'etti amane dhiifama Rabbii isaa kajeela, akkasumas adabbii Isaa sodaata, kanaafuu towbaatti ariifata badii itti hin fufu.
3. Ulaagaan towbaa sirriidhaa: Badii dhiisuu, isa irratti gaabbuu fi badiitti deebi'uu dhabuu murteessuudha, yoo towbaan gabroottan qabeenyaan yookaan kabajaan yookaaan lubbuun miiidhuu ta'e immoo ulaagaa afraffaa dabalata, innis abbaa haqaa irraa dhiifama gaafachuu yookaan haqa isaa kennuufiidha.
4. Barbaachisummaa beekumsi Rabbiin beekuu qabuudha, beekumsa isa gabricha dhimmoota amantii isaa irratti beekaa taasisu, yeroo dogongore hundaa towbaa godha, garaas hin muratu irrattis hin hafu.

(83) – عن عَلِيٍّ قَالَ: إِنِّي كُنْتُ رَجُلًا إِذَا سَمِعْتُ مِنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ حَدِيثًا نَفَعَنِي اللهُ مِنْهُ بِمَا شَاءَ أَنْ يَنْفَعَنِي بِهِ، وَإِذَا حَدَّثَنِي رَجُلٌ مِنْ أَصْحَابِهِ اسْتَحْلَفْتُهُ، فَإِذَا حَلَفَ لِي صَدَّقْتُهُ، وَإِنَّهُ حَدَّثَنِي أَبُو بَكْرٍ، وَصَدَقَ أَبُو بَكْرٍ، قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَا مِنْ رَجُلٍ يُذْنِبُ ذَنْبًا، ثُمَّ يَقُومُ فَيَتَطَهَّرُ، ثُمَّ يُصَلِّي، ثُمَّ يَسْتَغْفِرُ اللهَ، إِلَّا غَفَرَ اللهُ لَهُ»، ثُمَّ قَرَأَ هَذِهِ الْآيَةَ: {وَالَّذِينَ إِذَا فَعَلُوا فَاحِشَةً أَوْ ظَلَمُوا أَنْفُسَهُمْ ذَكَرُوا اللهَ فَاسْتَغْفَرُوا لِذُنُوبِهِمْ} [آل عمران: 135]. [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي في الكبرى وابن ماجه وأحمد]

(83) – Aliyyi irraa odeeffamee akkana jedhe: Ani naman yeroo Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa tokko dhagaye Rabbiin isaan waan na fayyaduu fedhe na fayyadun ture, Sahaabota isaanii irraa yeroo namni tokko waa naa odeesse naa kakachuun irraa barbaada, yoo naa kakate isa nan dhugoomsa, dhugumatti Abuu Bakir naaf odeesse, Abuu Bakir dhugaadha dubbate, akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kan akkas jedhuun dhagaye: "Namni tokko dilii hojjetee, eegasii ka'ee wuduu'a godhatee, eegasii salaatee, eegasii Rabbiin irraa araaama barbaadee jennaan, Rabbiin isaaf araaramu malee hin hafu, eegasii Aayaa tana qara'an: {Isaan warra yeroo waan fokkataa hojjatan yookaan lubbuulee ofii miidhan Rabbiin yaadatanii, badiilee isaanitiif araarama kadhataniidha} [Aali imraan: 135]. [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Nasaa'iin kubraa keessattii, Ibnu Maajaa fi Ahmad tu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gabrichi tokko yoo dilii hojjatee, wuduu'a tolchee godhatee, eegasii ka'ee niyyaa badii isaa kana irraa towbachuutiin rak'aa lama salaatee, eegasii Rabbiin araarama kadhatee, Rabbiin isaaf dhiisa jechuudha himan. Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jecha Rabbii ol ta'ee kana qara'an: {Isaan warra yeroo waan fokkataa hojjatan yookiin lubbuulee isaanii miidhan Rabbiin yaadatanii, badiilee isaaniitiif araarama kadhatanii, Rabbiin malee kan badii araaramu hin jiru, haala badii ta'uu isaa beekaniin waan hojjatan irra hin turreedha} [Aali Imraan: 135].

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Booda badiitii Salaatanii eegasii araarama kadhachuu irratti kakaasuudha.
2. Bal'ina araarama Rabbii ol ta'eetii fi towbaa fi araarama nama Isa kadhatee qeebaluu Isaatiidha.

(65063)

(84) – عَنْ أَبِي مُوسَى رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِنَّ اللهَ عَزَّ وَجَلَّ يَبْسُطُ يَدَهُ بِاللَّيْلِ لِيَتُوبَ مُسِيءُ النَّهَارِ، وَيَبْسُطُ يَدَهُ بِالنَّهَارِ لِيَتُوبَ مُسِيءُ اللَّيْلِ، حَتَّى تَطْلُعَ الشَّمْسُ مِنْ مَغْرِبِهَا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(84) – Abuu Muusaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Rabbiin ol tahe namni guyyaa dilii dalage akka tawbatuuf harka isaa halkan diriirsa, namni halkan dilii dalage akka tawbatuuf guyyaa harka isaa diriirsa, Hanga aduun dhiha

ishee irraa baatutti». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-: Rabbiin ol tahe gabroota isaa irraa towbaa akka qeebalu himan. Gabrichi tokko guyyaa dilii hojjetee halkan yoo towbaa gara Rabbii deeb'e Rabbiin towbaa isaa ni qeebala, yoo halkan dilii raawwatee guyyaa towbates Rabbiin towbaa isaa irraa qeebala. Rabbiin qulqullaa'e towbaaf harka isaa ni diriirsa isheetti gammadee ishee qeebaluuf jecha, Balballi towbaa hanga aduun dhiha irraa baatee dhumni addunyaa tanaa hanga labsamutti banaa ta'ee hafa, yeroo aduun kallattii sanaan baate balballi towbaa ni cufama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Towbaan qeebalamuun hanga balballi isaa banaa ta'etti itti fufa, Balballi isaa yeroo aduun dhiha irraa baate ni cufama. Namichi du'aaf lubbuun isaa kokkee gayuun duratti towbachuudha qaba.
2. Dhiifamaa fi rahmatni Rabbii ol ta'ee bal'aa waan ta'ee fi balballi towbaa banaa waan ta'eef jecha ilmi namaa sababaa dilii hojjeteef abdii kutachuu hin qabuudha.
3. Ulaagaaleen towbaa: Inni jalqabaa: dilii san hojechuu dhiisuudha, Inni lammaffaa: dilii san raawwachuuf seenayuudha, inni sadaffaa: tasuma dilii sanitti hin deebi'u jedhee murachuudha, kunneen eegaa yoo haqa Rabbii balleesseedha. Haqa gabrootaa waliin kan walqabatu yoo ta'e ammoo Towbaa sirrii ta'uuf haqa abbaa isaatiif deebisu qaba, ykn abbaan haqa isaa dhiifama jechuudha qaba.

(4318)

(85) – عن النُّعمان بن بَشير رضي الله عنه قال: سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ -وَأَهْوَى النُّعْمَانُ بِإِصْبَعَيْهِ إِلَى أُذُنَيْهِ-: «إِنَّ الْحَلَالَ بَيِّنٌ وَإِنَّ الْحَرَامَ بَيِّنٌ، وَبَيْنَهُمَا مُشْتَبِهَاتٌ لَا يَعْلَمُهُنَّ كَثِيرٌ مِنَ النَّاسِ، فَمَنِ اتَّقَى الشُّبُهَاتِ اسْتَبْرَأَ لِدِينِهِ وَعِرْضِهِ، وَمَنْ وَقَعَ فِي الشُّبُهَاتِ وَقَعَ فِي الْحَرَامِ، كَالرَّاعِي يَرْعَى حَوْلَ الْحِمَى يُوشِكُ أَنْ يَرْتَعَ فِيهِ، أَلَا وَإِنَّ لِكُلِّ مَلِكٍ حِمًى، أَلَا وَإِنَّ حِمَى اللهِ مَحَارِمُهُ، أَلَا وَإِنَّ فِي الْجَسَدِ مُضْغَةً، إِذَا صَلَحَتْ صَلَحَ الْجَسَدُ كُلُّهُ، وَإِذَا فَسَدَتْ فَسَدَ الْجَسَدُ كُلُّهُ، أَلَا وَهِيَ الْقَلْبُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(85) – Nu'umaan ilma bashiir irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e -Nu'umaan quba isaa lamaanin gara gurra isaa lamaanitti akeekaa akkas jedhe (dhaga'uu isaa Mirkaneessuuf jecha)-: "Halaalli ifa galaadha, haraamis ifa galaadha, gidduu isaaniitti wantoota wal fakkaatan kan namoonni hedduun isaan hin beekneetu jiran, namni wal fakkaattuu eeggate amantii fi kabajaa isaatiif qulqullina barbaade, wal fakkaattuu keessa namni bu'e immoo haraama keessa bu'e, inni akka tiksee daangaa cinaatti tiksuuti, isa keessa seenee dheeduutu mala, dhaga'aa! mootii hundaafuu daangaatu jira, dhaga'aa! daangaan Rabbii dhoorgaa Isaati, dhaga'aa! dhugumatti qaama namaa keessa waan akka cittuu fooniitu jira, yeroo isiin tolte qaamni hundi ni tola, yeroo isiin badde immoo qaamni hundi ni bada, dhaga'aa! isiin qalbiidha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wantoota keessatti foormulaa walii galaa ifa galchan, isiin shari'aa keessatti bakka sadiitti qoodamti: halaala ifa galaa, haraama ifa galaa fi halaalummaa fi haramummaa keessatti wantootii wal fakkaatan, kan murtoon isii gama halaalummaati fi gama haraamummaatii ifa hin taaneedha, hedduun namaa murtoo isii hin beeku.

Namni wantootii isatti wal fakkaatte sana dhiise amantiin isaa haraama keessa bu'uu irraa fagaachuun isaaf baraarame, akkasumas haasawa namootaa kan silaa osoo inni waan wal fakkaataa kana raawwatee isaan isa aybeessan irraa kabajaan isaas baraarameera. Namni waan wal fakkaattuu irraa hin fagaatin haraama keessa akka bu'uuf, yookaan namoonni kabajaa isaa akka tuqanuuf dhugumaan lubbuu isaa saaxilee jira. Rasuulli -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haala nama wantoota nama irratti wal fakkaatan raawwatuu fi inni akka tiksee dachii abbaan isii isii daangeessetti dhihaatee horii isaa tikfatuutii, horiin tiksee waan itti dhihaattee jirtuuf daangaa kana keessa seentee nyaachuutu malaa ifa nuuf galchuuf jecha fakkeenya fudhataniiru, namni waan wal fakkii qabu hojjatus akkasuma jechuudha, inni sanaan haraamatti dhihaata, isa keessa bu'uutu mala. Booda sanaatii qaama namaa keessa wanni akka cittuu foonii akka jirtu (isiin qalbiidha) Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- himan, isiin toluudhaan qaamni tola, isiin baduudhaan qaamni bada jechuus himaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Waan wal fakkaatu, kan murtoon isaa ifa hin tahin dhiisuutti kakaasuudha.

(4314)

(86) – عن ابن عباس رضي الله عنهما قال: كُنْتُ خَلْفَ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَوْمًا، فَقَالَ: «يَا غُلَامُ، إِنِّي أُعَلِّمُكَ كَلِمَاتٍ، احْفَظِ اللهَ يَحْفَظْكَ، احْفَظِ اللهَ تَجِدْهُ تُجَاهَكَ، إِذَا سَأَلْتَ فَاسْأَلِ اللهَ، وَإِذَا اسْتَعَنْتَ فَاسْتَعِنْ بِاللهِ، وَاعْلَمْ أَنَّ الْأُمَّةَ لَوِ اجْتَمَعَتْ عَلَى أَنْ يَنْفَعُوكَ بِشَيْءٍ، لَمْ يَنْفَعُوكَ إِلَّا بِشَيْءٍ قَدْ كَتَبَهُ اللهُ لَكَ، وَلَوِ اجْتَمَعُوا عَلَى أَنْ يَضُرُّوكَ بِشَيْءٍ، لَمْ يَضُرُّوكَ إِلَّا بِشَيْءٍ قَدْ كَتَبَهُ اللهُ عَلَيْكَ، رُفِعَتِ الْأَقْلَامُ وَجَفَّتِ الصُّحُفُ». [صحيح] - [رواه الترمذي]

(86) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Gaafa tokko booda Ergamaa Rabbiitiin ture, Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu, ni jedhani: "Yaa gurbaa!, ani jechoota wahiitin si barsiisa, Rabbiin tiksi Inni si tiksaatii, Rabbiin tiksi fuuldura keetti Isa argattaatii, yeroo kadhatte Rabbiin kadhadhu, yeroo gargaarsifattes Rabbiin gargaarsifadhu, beeki! ummanni guutuun waan tokkoon si fayyaduuf jecha osoo walitti qabamanii, waan Rabbiin sila siif barreesseen malee homaa woma tokkoon si fayyaduu hin danda'anu, akkasumas waan tokkoon si miidhuuf jecha osoo walitti qabamani, waan Rabbiin sila sirratti barreesseen malee homaa woma tokkoon si miidhuu hin danda'anu, qalamiiwwan kaafamte, barruuleen gogde". [sirrii] - [Tirmiziitu gabaase]

Ibsaa:

Ibnu Abbaas -Rabbi isa irraa haa jaallatu- gurbaa xiqqoo nabiyyii waliin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- uddeelluu yaabbata ture, Nabiyyiin -rahmannii fi nageenyi isaan irra haa jiraatu- ani wantoota Rabbiin ittiin si fayyadun si barsiisa isaan jedhani:

Ajaja Isaa tiksuu fi dhoorgaa isaa irraa fagaachuun Rabbiin tiksi, bakka Inni kheyrii hojachuu fi Isatti dhihaachuu keessatti si arguutti, akkasumas bakka Inni badiiwwanii fi diliiwwan keessatti si hin agarreetti, yoo sana hojjate mindaan kee hamtuu duuniiyaa fi Aakhiraa irraa Rabbiin si eeguu fi garamuu deemtu dhimmoowwan kee keessatti siif tumsuu ta'a.

Waan tokko gaafachuu yoo barbaadde, Rabbiin malee hin gaafatin, kan gaafataaf deebisu Isuma qofa waan ta'eefi.

Gargaarsa yoo barbaadde immoo Rabbiin malee hin gargaarsifatin.

Worri dachii hundi si fayyaduu irratti osoo walitti qabamanii waan Rabbiin siif barreesse malee faayidaan kamuu akka siif hin argamne shakkii tokko malee baeekuu qabda, akkasumas worri dachii irraa hundi si miidhuuf jecha osoo walitti qabamanii waan Rabbiin sirratti murteesseen malee homaa akka si miidhuu hin dandeenye shakkii tokko malee beekuu qabda.

Waan kana dhugumaan Rabbiin ol ta'e ogummaan Isaati fi beekumsi Isaa akka akeekuun isa barreessee, murteessee jira, waan Rabbiin barreesse jijjiiruun gonkuma hin danda'amu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa ijoolleewwan dhimmoota tawhiidaa,

naamuusaa fi kan biroo barsiisuun qabuudha.

2. Mindaan fakkaataadhuma hojiiti.
3. Waan Isa malee jiru dhiisanii Rabbiin qofa irratti hirkachuu fi Isuma qofa irratti tawakkaluutti ajajuudha. Inni hirkoof waa tole.
4. Murtoo, qadaratti amanuu fi isa jaallachuudha, Rabbiin dhugumatti waan hundaa qaddaree jira.
5. Nama ajaja Rabbii gate Rabbiin isa gata, isaas hin tiksu.

(4811)

(87) – عَنْ سُفْيان بنِ عَبْدِ اللهِ الثَّقَفِيّ رضي الله عنه قال: قُلْتُ: يَا رَسُولَ اللهِ، قُلْ لِي فِي الْإِسْلَامِ قَوْلًا لَا أَسْأَلُ عَنْهُ أَحَدًا غَيْرَكَ، قَالَ: «قُلْ: آمَنْتُ بِاللهِ، ثُمَّ اسْتَقِمْ». [صحيح] - [رواه مسلم وأحمد]

(87) – Sufyaan bin Abdullaah Al-Saqafii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nin jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, Islaamummaa keessatti jecha tokko kan si malee nama biraa hin gaafanne naan jedhi, isaanis ni jedhan: “Ani Rabbitti amane jedhii, eegasii irratti gadi dhaabbadhu". [sirrii] - [Muslim fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Sahaabaan Sufyaan bin Abdullaah -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- jecha hiika Islaamummaa hunda of keessaatti hammate kan isa qabatee nama isaan hin tahin hin gaafanne akka isa barsiisan Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafate, Ergamaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhaniini: jedhi: Rabbiin tokkochoomse, Inni gooftaa kiyya, uumaa kiyyaa fi haqaan

gabbaramaa kiyya kan hiriyaa hin qabne ta'uu itti amane, Sana booda dirqama Rabbii raawwachuu fi dhoorgoowwan Rabbii dhiisuudhaan ajaja Rabbii jala butamee achumaan itti fufa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Bu'uurri amantii gooftummaa Rabbii, gabbartii Isaa, maqoolee Isaatii fi sifoowwan Isaatti amanuudha.
2. Booda iimaanaatii barbaachisummaa ragga'uu, ibaadaa itti fufuutii fi sana irratti gadi dhaabbachuuti.
3. Amantiin qeebaltii dalagaatiif ulaagaadha.
4. Rabbitti amanuun bu'uuraalee amantii, hundeelee isaatii fi hojiilee qalbii irraa waan sana jala galu waan itti amanuun dirqama ta'e hunda hammata, akkasumas keessoo fi alaanis Rabbiif bitamuu fi masakamuus ni hammata.
5. Istiqaamaa jechuun dirqamoota raawwachuu fi dhoorgaalee dhiisuun karaa qabachuudha.

(65018)

(88) – عَنِ النُّعْمَانِ بْنِ بَشِيرٍ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مَثَلُ الْمُؤْمِنِينَ فِي تَوَادِّهِمْ وَتَرَاحُمِهِمْ وَتَعَاطُفِهِمْ مَثَلُ الْجَسَدِ، إِذَا اشْتَكَى مِنْهُ عُضْوٌ تَدَاعَى لَهُ سَائِرُ الْجَسَدِ بِالسَّهَرِ وَالْحُمَّى». [صحيح] - [متفق عليه]

(88) – Nu'umaan bin Bashiir irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Fakkeenyi mu'umintootaa wal jaallachuu, rahmata waliif gochuu fi garaa waliif laafuu isaanii keessatti akka qaama tokkooti, humni tokko isa irraa yoo dhibame qaamni guutuun hirriiba dhabuu fi leydaa'uudhaan isaan waliin dhibama". [sirrii] - [Bukharif

muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- kheyrii waliif jaallachuu, wal gargaaruu ,waliif tumsuu fi rakkina isaan irra gayuuf rakkachuu irraa ta'ee haalli Muslimoonni waliif qaban akka qaama tokkoo ta'uun dirqama ta'uu akka qabu ibsan, yeroo humna tokko irraa dhukkubsatee qaamni guutuun hirriiba dhabuu fi leydamuudhaan isa waliin dhukkubsata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haqa muslimootaa kabajuun akka barbaachisuudha, akkasumas wal gargaaruu fi gariin isaanii gariif garaa laafuu irratti isaan kakaasuudha.
2. Warra iimaanaa giddutti wal jaallachuu fi waliif tumsuun jiraachuudha qaba.

(4969)

(89) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: سَأَلَ رَجُلٌ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَقَالَ: يَا رَسُولَ اللهِ، إِنَّا نَرْكَبُ البَحْرَ، وَنَحْمِلُ مَعَنَا القَلِيلَ مِنَ الْمَاءِ، فَإِنْ تَوَضَّأْنَا بِهِ عَطِشْنَا، أَفَنَتَوَضَّأُ مِنَ الْبَحْرِ؟ فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «هُوَ الطَّهُورُ مَاؤُهُ، الحِلُّ مَيْتَتُهُ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي وابن ماجه وأحمد]

(89) – Abuu Hureyraa irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatu, ni jedhe: Namichi tokko Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhee gaafate: Yaa Ergamaa Rabbii, nuti galaana bahraaa irra deemna, bishaan xiqqoo of harkatti qabanna, yoo ittiin wuduu'a raawwanne ni dheebonna,

bishaan galaanatiin wuduu'a godhachuu ni dandeenyaa? Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Bishaan isaa qulqulluudha, du'aan isaas halaala». [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Nasaa'ii, Ibnu maajaa fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Namichi tokko Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhee gaafate: nuti qurxummii qabuuf ykn daldalaa fi kan kana fakkaataniif galaana irratti doonii yaabbanna, bishaan dhugaatii xiqqoo of biratti qabannee deemna, yoo wuduu'aa fi dhiqannaaf bishaan dhugaatii fayyadamne ni dhumata waan dhugnu hin argannu. Bishaan galaanaatiin wuduu'a gochuun nuuf ni hayyamamaa?

Isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, waa'ee bishaan galaanaa akkas jedhan: Bishaan isaa qulqulluu fi qulqulleessaadha; Wuduu'a godhachuu fi ittiin dhiqachuun ni danda'ama, waan galaana keessaa bahu kan akka qurxummii fi kkf, osoo hin qabamin du'aan isaa gubbaa bishaanitti ol bahee yoo argamellee nyaachuun ni danda'ama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Du'aan bineensa galaanaa halaala, du'aa isatti wanni fedhame: bineensota bishaan galaanaa keessatti du'an kan bishaan keessa malee jiraachuu hin dandeenyeedha.
2. Faayidaan gaafii sanaa akka guutamuuf jecha, waan gaafataan gaafate caalaa deebsisuudha.
3. Bishaan yoo mi'aan, halluun ykn fooliin isaa waan qulqulluun yoo jijjiirame, osoo soogiddummaan, ho'i , qorri isaa fi kkf jabaatellee hanga bishaan qulqulluu ta'etti

qulqulluuma ta'ee hafa.

4. Bishaan galaanaa xuriiwwan gurguddoo fi xixiqqoos ni deemsisa, najisa akka tasaa qaama, ykn uffata ykn kkf irratti argame ni balleessa.

(8355)

(90) – عَن عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عُمَرَ رضي الله عنهما قَالَ: سُئِلَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ عَنِ الْمَاءِ وَمَا يَنُوبُهُ مِنَ الدَّوَابِّ وَالسِّبَاعِ، فَقَالَ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِذَا كَانَ الْمَاءُ قُلَّتَيْنِ لَمْ يَحْمِلِ الْخَبَثَ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي وابن ماجه وأحمد]

(90) – Abdullaah bin Umar irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waa'ee bishaan bineensonnii fi beyladoonni itti deddeebi'anii irraa ni gaafataman, isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkas jedhan: «Bishaan hubboo /gaawwaa lama yoo ga'e najisa/xurii hin baatu (hin Najisaahu)». [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Nasaa'ii, Ibnu maajaa fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waa'ee murtii bishaan beyladoonni fi bineensonni dhuguuf itti deddeebi'anii fi kan kana fakkaatan irraa gaafatamanii, akkas jedhan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-: Yoo hammi bishaanii gaawwaa gurguddaa lama gahe, kunis: (210) liitira waliin wal qixa, bishaan guddaa waan ta'eef hin najisu, ykn hin xuraa'u, Amaloota isaa sadan: halluu isaa ykn dhandhamaa isaa ykn foolii isaa keessaa tokko waan najisaatin yoo jijjiirame malee.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Bishaan najisa kan ta'u tokkoon amaloota isaa sadan, bifti isaa, ykn dhandhamaan isaa, ykn fooliin isaa waan najisaatin yeroo jijjiirameedha, Hadiisni kun karaa irra caalaa bahe malee, addattii miti.
2. Ulmaa'onni bishaan najisummaan/xuraa'ummaadhaan yoo jijjiirame xiqqoos ta'ee baay'ees ta'u guutumatti najisa ta'uu isaa irratti waliigalaniiru.

(8357)

(91) – عَنْ أَبِي أَيُّوبَ الأَنْصَارِيِّ رضي الله عنه أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِذَا أَتَيْتُمُ الغَائِطَ فَلَا تَسْتَقْبِلُوا القِبْلَةَ، وَلاَ تَسْتَدْبِرُوهَا وَلَكِنْ شَرِّقُوا أَوْ غَرِّبُوا» قَالَ أَبُو أَيُّوبَ: فَقَدِمْنَا الشَّأْمَ فَوَجَدْنَا مَرَاحِيضَ بُنِيَتْ قِبَلَ القِبْلَةِ فَنَنْحَرِفُ، وَنَسْتَغْفِرُ اللَّهَ تَعَالَى.

[صحيح] - [متفق عليه]

(91) – Abuu Ayyuub Al-Ansaarii irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Yeroo mana fincaanii dhuftan Qiblaatti fuulaan gara hin galinaa, duubanis gara itti hin galinaa, garuu gara bahatti ykn gara dhihaatti gara galaa» Abuu Ayyuub akkana jedhe: shaam dhufnee mana fincaanii gara Qiblaatti garagalfmee kan ijaarame ta'uu argine, irraa garagallee fayyadamnee, Rabbii ol ta'e dhiifama gaafanna. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni fincaan ykn sagaraa barbaade qiblaatti fuulaan garagaluu fi dugdaanis itti garagaluu irraa dhoorgan, yoo qiblaan isaa akka

warra madiinaa tahe, gara bahaa ykn dhihaatti akka garagalu ajajan. Eegasii Abuu Ayyuub, Rabbiin irraa haa jaallatu, yeroo gara shaam dhufan, mana fincaanii qophaa'e kan gara qiblaa kaabaatti gargalee ijaarame hime, kanaaf isaan qaama isaanitiin qiblaa irraa kan garagalan ta'an, kana waliinuu Rabbiin dhiifama kan gaafatan ta'an.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ogummaan sanaan keessa jiru Ka'abaa kabajamtuu kabajuu fi ulfeessuudha.
2. Eddoo fincaanii irraa erga bahanii Rabbiin dhiifama gaafachuudha.
3. Gaarummaa Barsiisa Nabiyyiiti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu; sababni isaas isaan yeroo waan dhoorgame dubbatan gara waan hayyamamutti waan qajeelchaniif jecha.

(3078)

(92) – عَنْ أَبِي قَتَادَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «لَا يُمْسِكَنَّ أَحَدُكُمْ ذَكَرَهُ بِيَمِينِهِ وَهُوَ يَبُولُ، وَلَا يَتَمَسَّحْ مِنَ الْخَلَاءِ بِيَمِينِهِ، وَلَا يَتَنَفَّسْ فِي الْإِنَاءِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(92) – Abuu Qataadaa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan. «Tokkoon keessan osoo fincaa'aa jiruu qaama saalaa isaa harka mirgaatiin hin qabatin, akkasumas harka isaa mirgaatiin qaama saalaa isaa hin haxaa'in, meeshaa dhugaatii keessattis hafuura hin baafatin». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- naamusaalee tokko tokko ibsaniiru, innis dhiirri qaama saalaa isaa harka mirgaatiin osoo fincaa'aa jiruu qabachuu fi wanni najisa ta'e qaama saalaa kan fuul duraa ta'ee ykn duubaa irraa harka mirgaatin deemsifamuu dhoorguu isaanitiini; Sababni isaas harki mirgaa wantoota gaggaarii ta'aniif kan qophaa'e waan ta'eef jecha. Akkuma ilmi namaa meeshaa itti dhugu keessatti hafuura baafachuu dhoorganitti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Naamusaalee fi qulqullina keessatti Islaamummaan dursa akka qabu ibsuudha.
2. Wantoota najisa ta'an irraa fagaachuudha, Yoo qabachuun dirqama ta'e harka bitaatti fayyadamuun dirqama ta'a.
3. Kabajaa fi sadarkaa harki mirgaa harka bitaa irra qabu ibsuudha.
4. Guutummaa seera Islaamaa fi bal'ina barsiisa isaati.

(3079)

(93) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِذَا اسْتَيْقَظَ أَحَدُكُمْ مِنْ مَنَامِهِ فَلْيَسْتَنْثِرْ ثَلَاثَ مَرَّاتٍ، فَإِنَّ الشَّيْطَانَ يَبِيتُ عَلَى خَيَاشِيمِهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(93) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti, Rabbiin isa irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Tokkoon keessan yeroo hirriiba isaa irraa ka'e, sheyxaanni funyaan isaa keessa waan buluuf, funyaan isaa yeroo sadii bishaan itti ol fudhatee gadi haa deeffatu». [sirrii] -

[Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni hirriiba isaa irraa ka'e yeroo sadii "Istinsaara" akka godhu jajjabeessan. "Istinsaara" jechuun bishaan funyaanitti ol fudhatee gadi deebisuu dha, sababni isaas sheyxaanni funyaan isaa guutuu keessa waan buluufi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nama hirriiba irraa dammaqeef funyaan isaa keessaa haftee sheyxaanaa balleessuuf bishaan funyaanitti ol fudhatee gadi deebisuun karaa godhamuudha, yoo kan wuduu'a godhatu ta'e ammoo bishaan funyaanitti ol fudhatee gadi deebisutti ajajuun yeroo sana ni jabeeffama.
2. Bishaan funyaanitti ol fudhatanii gadi deebisuun Faayidaa guutuu istinshaaqaati, istinshaaqa jechuun keessoo funyaanii qulqulleessuu yoo ta'u, istinsaarri ammoo xurii sana bishaanin waliin baasuudha.
3. Hirriiba kana hirriiba halkaniitin wal qabsiisuun jecha "ni bula" jedhu irraa fudhatame; sababni isaas buluun hirriiba halkanii irraa malee hin ta'u, akkasumas hirriibni mallattoo namni gadi fageenyaan of kennee keessa turu waan ta'eefi.
4. Hadiisni kun ragaa sheyxaanni osoo hin beekin nama qabachuu isaa of keessaa qaba.

(8377)

(94) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «لَا يَقْبَلُ اللهُ صَلَاةَ أَحَدِكُمْ إِذَا أَحْدَثَ حَتَّى يَتَوَضَّأَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(94) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: “Rabbiin salaata tokkoo keessanii hin qeebalu, yeroo inni wuduu’a cabse hanga wadda'atuutti". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ulaagaalee salaanni itti fayyaa taatuun keessaa xaaharaan (wuduu'a godhachuun/dhiqachuun) akka tokko ta'e ibsan, kanaafuu nama salaatuu barbaadu kan wanti wuduu’a balleessu irraa argame; kan akka sagaraa, yookaan fincaanii, yokaan hirriibaa, yokaan kan kana fakkaatan isa irratti wadda'achuun dirqama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaanni nama wuduu’a balleessee hanga xurii guddaa irraa dhiqachuun, xurii xiqqaa irraa immoo wuduu’a godhachuun hanga xaaharatuutti/qulqulleeffatuutti akka hin qeebalamneedha.
2. Wuduu’a jechuun bishaan fudhatee afaan keessa naannessee baafachuun, eegasii afuura isaatiin bishaan sana gara keessoo funyaan isaatti ol harkisee baasuudha, eegasii fuula isaa si’a sadii dhiqachuudha, eegasii harka isaa lameen yeroo sadii ciqilee lameenin waliin dhiqachuudha, eegasii mataa isaa guutuu al tokko qofa haxaa’ee harka lameen gurra lameen irra baasuudha, eegasii miila isaa lameen koomee lameenin waliin yeroo sadii dhiqachuudha.

(3534)

(95) – عَنْ جَابِرٍ رضي الله عنه قال: أَخْبَرَنِي عُمَرُ بْنُ الْخَطَّابِ: أَنَّ رَجُلًا تَوَضَّأَ فَتَرَكَ مَوْضِعَ ظُفُرٍ عَلَى قَدَمِهِ فَأَبْصَرَهُ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فَقَالَ: «ارْجِعْ فَأَحْسِنْ وُضُوءَكَ» فَرَجَعَ، ثُمَّ صَلَّى. [صحيح بشواهده] - [رواه مسلم]

(95) – Jaabiir irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Umar bin Al-Khaxxaab waan armaan gadii kana naaf odeesse: Namichi tokko wuduu'a raawwatee bakka hanga kottee geessu wahii miila isaa irratti dhiise, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isa arganii akkana jedhaniin: "Deebi'ii wuduu'a kee akka gaariitti raawwadhu" namichis deebi'ee wuduu'a godhatee, eegasii salaate. [Ragaalee isaatiin sahiiha] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Umar, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namicha tokko kan wuduu'a isaa xumuree, waan hanga kottee qubaa kan bishaan wuduu'aa isa bira hin gayin miila isaa irratti dhiisee akka argan gabaase, Eegasii bakka dagannoon itti mul'atutti akeekun akkana isaan jedhani: Deebi'ii wuduu'a kee bareechii guutii humna hundaafuu bishaan irraa haqa isaa kenniifii godhadhu. Namichis deebi'ee wuduu'a isaa guuttatee, eegasii salaate.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Daddafanii gaaritti ajajuu fi wallaalaa fi dagataaf qajeelfama kennuun dirqama ta'uudha, Keessattuu wanni badaan sun ibaadaan namichaa baduuf sababaa kan ta'u yoo ta'e.
2. Kutaalee wuduu'aa bishaaniin waliin ga'uun dirqama ta'uu

fi namni humnoolee wuduu'aa keessaa humna tokko dhiise -osoo waa xiqqollee ta'ee- wuduu'in saniin waliin isaaf sirrii hin ta'uudha, wuduu'a guututti deebisee godhachuudha qaba, yeroon walakkaa sana jiru yoo dheeraa ta'e.

3. Wuduu'a bareechanii raawwachuun karaa ta'uudha, innis akka shari'aan itti ajajetti isa guutanii bakkaan gayanii godhachuuni.
4. Miilli lamaan kutaalee wuduu'aa keessaa tokko waan ta'eef, irra haxaa'uun gahaa miti, dhiqamuudha qaba.
5. Humna tokko osoo kan isa duraa hin gogin dhiquun Kutaalee wuduu'aa walduraa duubaan dhiquun barbaachisaa ta'uudha.
6. Wallaalummaa fi dagachuun dili namarraa kuffisan malee dirqama namarra jiru hin kuffisaniidha, Namicha wallaalummaa isaatif jecha wuduu'a isaa guutee hin gadhatin kanarraa Nabiyyiin -nagaa fi rahmnni isaan irratti haa jiraatu- dirqama wuduu'aa kan isarra jiru hin kaffisne, deeb'ee akka sirreeffatu isa ajajan malee.

(8386)

(96) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بْنِ عَمْرٍو رَضِيَ اللهُ عنهما قَالَ: رَجَعْنَا مَعَ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ مِنْ مَكَّةَ إِلَى الْمَدِينَةِ حَتَّى إِذَا كُنَّا بِمَاءٍ بِالطَّرِيقِ تَعَجَّلَ قَوْمٌ عِنْدَ الْعَصْرِ، فَتَوَضَّؤُوا وَهُمْ عِجَالٌ، فَانْتَهَيْنَا إِلَيْهِمْ وَأَعْقَابُهُمْ تَلُوحُ لَمْ يَمَسَّهَا الْمَاءُ فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «وَيْلٌ لِلْأَعْقَابِ مِنَ النَّارِ أَسْبِغُوا الْوُضُوءَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(96) – Abdullaah bin Amrii irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waliin Makkaa irraa gara Madiinaa

deebinee, yeroma bishaan wahii kan karaa irra jiru bira geenye namoonni yeroo Asrii irratti salaatuf sardamanii, haala sardaminsa keessa jiraniin wuduu'a godhatan, bishaan ishee tuquu dhabuu irraa kan ka'een haala koomeen isaanii iftuun isaan bira geenye, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni Isaan irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Koomeewwaniif ibidda irraa adabbiin mirkanaa'e, wuduu'a guutaa godhaa». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irraa haa buusu- sahaabota isaanii woliin makkaan irraa gara madiinaatti imalan, karaa isaanii irratti bishaan argatanii, gariin sahaabotaa salaata Asrii salaatuuf jecha wuduu'a godhachuutti jarjarani, hanga bishaan irraa goggoginni duuba koomee isaanii nama ilaalu tokkoof mul'atutti, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: worreen yeroo wuduu'a godhatan duuba faana isaanii dhiquu keessatti hirdhisaniif adabbii fi badiitu ibidda keessatti isaaniif jira, eegasii wuduu'a guutanii akka godhatanutti isaan ajajani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Wuduu'a keessatti miila lameen dhiquun dirqama ta'uu isaa; osoo irra haxaawuun ni ta'a ta'ee nama koomee dhiquu dhiise ibiddaan hin dinniinu ture.
2. humnoota qaamaa kan dhiqamtu waliin gahanii dhiquun dirqama ta'uu isaa, namni waan dhiquun dirqama ta'e irraa hanga xiqqoollee ta'u beekaa fi taati'oof jecha dhiise salaanni isaa sirrii hin taatu.
3. barbaachisummaa wollaalaa barsiisuu fi qajeelfama isaaf

kennuuti.

4. beekaan dirqamoolee fi sunnaawwan irraa waan baduu isaa argu akkaataa ta'uun dhoorga.
5. Aalimni islaamaa Muhammad Is-haaq addahlawiin akkana jedhe: wuduu'a guutuun haala sadi'iin ilaalama: kan dirqama ta'e, innis bakka wuduu'aa yeroo tokkoof wol geessisuudha, kan sunnaa ta'e, innis yeroo sadii dhiquudha, kan jaallatamaa ta'e inni immoo yeroo sadii diquu waliin dheeressuudha.

(66392)

(97) – عن عَمْرُو بْنُ عَامِرٍ عَنْ أَنَس بن مالك قَالَ: كَانَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَتَوَضَّأُ عِنْدَ كُلِّ صَلَاةٍ، قُلْتُ: كَيْفَ كُنْتُمْ تَصْنَعُونَ؟ قَالَ: يُجْزِئُ أَحَدَنَا الْوُضُوءُ مَا لَمْ يُحْدِثْ. [صحيح] - [رواه البخاري]

(97) – Amrii bin Aamir Anas bin Maalik irraa odeessee, Anas akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahamatni irra haa jiraatu- salaata hunda irratti wuduu'a godhachaa turan, nan jedheen: Isin hoo akkam godhaa turtan? ni jedhe: Hanga wuduu'a hin balleesinetti tokkoo keenyaaf wuduu'uma tokkootu gaha. [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- salaata waajibaa hundaaf wuduu'a godhachaa turan, wuduu'in isaanii osoo badullee baatee; sababni isaas mindaa fi tola argachuudhaaf jecha.

Wuduu'a tokkoon salaata waajibaa tokkoo ol salaatuun ni danda'ama, hanga wuduu'a isaa hin diignetti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Irra baay'een hojii Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- salaata hundaaf wuduu'a godhachuudha; sababni isaas irra guutuu barbaaduf jecha.
2. Salaata hundaaf wuduu'a godhachuun jaallatamaa ta'uudha.
3. Wuduu'a tokkoon salaata tokkoo ol raawwachuun akka danda'amuudha.

(65080)

(98) – عَنِ ابْنِ عَبَّاسٍ رضي الله عنهما قَالَ: تَوَضَّأَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ مَرَّةً مَرَّةً. [صحيح] - [رواه البخاري]

(98) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- yeroo tokko tokko wuduu'a godhatan. [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Yeroo tokko tokko Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wuduu'a yeroo godhatan qaama wuduu'aa hunda yeroo tokko tokko kan dhiqatan ta'an, fuula ni dhiqatan -isuma irraayi lulluuqachuu fi bishaan funyaan keessa ol galchanii gadi deebisuun-, akkasumas harka lamaani fi miila lamaan yeroo tokko tokko ni dhiqatan, isa kanaatu wuduu'a irraa hanga dirqama ta'eedha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qaamolee wuduu'aa dhiqachuu keessatti dirqamni yeroo tokko qofa, wanni kana irratti dabalame jaalatamaadha.

2. Yeroo garii wuduu’a yeroo tokko tokko godhachuun akka danda'amuudha.
3. Mataa haxaa'uun yeroo tokko qofa hayyamama.

(65081)

(99) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بْنِ زَيْدٍ رضي الله عنه: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ تَوَضَّأَ مَرَّتَيْنِ مَرَّتَيْنِ. [صحيح] - [رواه البخاري]

(99) – Abdullaah bin Zeydii irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo lama lama wuduu’a godhatan. [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Yeroo tokko tokko Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wuduu’a yeroo godhatan qaama wuduu’aa hunda yeroo lama lama kan dhiqatan ta'an, fuula ni dhiqatan -isuma irraayi lulluuqqachuu fi bishaan funyaan keessa ol galchanii gadi deebisuun- akkasumas harka lamaani fi miila lamaan yeroo lama lama ni dhiqatan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qaamolee wuduu'aa dhiqachuu keessatti dirqamni yeroo tokko tokko qofa, wanni sana irratti dabalame jaalatamaadha.
2. Yeroo garii wuduu’a yeroo lama lama godhachuun ni danda'amaadha.
3. Mataa haxaa'uu keessatti inni hayyamamu yeroo tokko qofa.

(65082)

(100) – عَنْ حُمْرَانَ مَوْلَى عُثْمَانَ بْنِ عَفَّانَ رضي الله عنه: أَنَّهُ رَأَى عُثْمَانَ بْنَ عَفَّانَ دَعَا بِوَضُوءٍ، فَأَفْرَغَ عَلَى يَدَيْهِ مِنْ إِنَائِهِ، فَغَسَلَهُمَا ثَلَاثَ مَرَّاتٍ، ثُمَّ أَدْخَلَ يَمِينَهُ فِي الْوَضُوءِ، ثُمَّ تَمَضْمَضَ وَاسْتَنْشَقَ وَاسْتَنْثَرَ، ثُمَّ غَسَلَ وَجْهَهُ ثَلَاثًا، وَيَدَيْهِ إِلَى الْمِرْفَقَيْنِ ثَلَاثًا، ثُمَّ مَسَحَ بِرَأْسِهِ، ثُمَّ غَسَلَ كُلَّ رِجْلٍ ثَلَاثًا، ثُمَّ قَالَ: رَأَيْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَتَوَضَّأُ نَحْوَ وُضُوئِي هَذَا، وَقَالَ: «مَنْ تَوَضَّأَ نَحْوَ وُضُوئِي هَذَا ثُمَّ صَلَّى رَكْعَتَيْنِ لَا يُحَدِّثُ فِيهِمَا نَفْسَهُ غَفَرَ اللهُ لَهُ مَا تَقَدَّمَ مِنْ ذَنْبِهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(100) – Humraan bilsoomfamaa Usmaan bin Affaan Usmaan argee akka himetti: Usmaan bin Affaan bishaan wuduu'aa waammatee, meeshaa isaa irraa harka isaa lamaan irratti dhangalaasee, yeroo sadii isaan lamaan dhiqate, egasii harka mirgaa bishaan keessa galchee, egasii lulluuqqatee funyaanitti ol fudhatee gad deebise, eegasii fuula isaa yeroo sadii dhiqate, harka isaa lameenis ciqilee waliin yeroo sadii dhiqate, egasii mataa isaa haxaawwate, egasii hunda luka isaa yeroo sadii dhiqatee, egasii akkana jedhe: Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wuduu'a akka ani itti raawwachaa ture kanatti raawwatanii, itti aansuun akkana jedhanin arge: “Namni akka wuduu’a kiyyaa kana godhatee, eegasii osoo ofitti hin dubbatin raka’aa lama salaate Rabbiin dilii isaa irraa kan dabre isaaf ni araarama". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ūsmaan Rabbiin irraa haa jaallatuu akkaataa wuduu'a Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-gochaan; akka tolchee namaa ifutti ibse. Bishaan meeshaa

keessa jiru akka fidaniif barbaadee, egasii harka isaa lamaan irratti yeroo sadii dhangalaase, sana booda harka isaa mirgaa meeshicha keessa galchee bishaan keessaa fudhatee afaan keessa naqatee baase, egasii bishaan hafuura isaatiin garaa keessoo funyaanitti harkise, egasii gad baasee facaase, egasii fuula iaa yeroo sadii dhiqate, egasii harka isaa lameen ciqilee waliin yeroo sadii dhiqate, egasii yeroo tokko haraka isaa rifeensa isaatirra ofee bishaanin jiise, egasii luka isaa kiyyoo lamaan waliin yeroo sadii dhiqe.

Yeruma wuduu'a godhatee raawwate -Rabbiin irraa haa jaallatu- inni akka Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fakkaataa wuduu'a kanaa godhatan arge isaanitti hime, akkasumas Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuun akka isaan gammachiisan isaanitti hime: namni fakkaataa wuduu'a isaanii kana wadda'atee raka'aa lama qalbii khushuu'a fi sodaa Rabbii qabuun salaate Rabbiin wuduu'a guutuu fi salaata qulqulluu kana irratti yakkoota isaa irraa waan dabre isaaf araaramuun isa mindeessa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Harka lamaan yeroo dura wuduu'a eegaluuf jedhan osoo meeshaa bishaanii keessa isaan hin galchine dhiqachuun jaallatamaa ta'uudha, Kuni yoo hirriba irraa ka'aa hin tahini, yoo hirriba halkanii irraa ka'aa ta'e ammoo isaan lamaan dhiqachuun dirqama ta'a.
2. Barsiisaan karaa barumsaa hubannaaf irra dhiyaatu fi barataan akka barumsa qayyabatuuf gargaaru barbaadun irraa eeegama, san keessaa tokko hojiidhaan barsiisuudha.

3. Nama salaatuf yaada hojii duniyaatin wal qabatu ofirraa ofuun barbaachisaadha, Salaanni guutuu fi sirrii ta'uun yeroo lubbuun salaata waliin jiraatteedha, yoo san hin taane yaada lubbuu irraa nagaya ta'uun hin danda'amu, kanaaf lubbuu isaa walitti fufiinsan dhimma kana irraatti wal'aanuun irra jiraata, sana jala deemuu hin qabu.
4. Wuduu'a keessatti mirgaan eegaluun jaallatamaa ta'uudha.
5. Tartiibni jidduu lulluuqatuu fi bishaan funyaanitti ol fudhatanii, gad deebisuu karaa ta'uudha.
6. Fuula, harka lamaani fi miila lamaan yeroo sadii dhiqatuun jaallatamaa ta'uu isaati, dirqamni ammoo yeroo tokko dhiqatuudha.
7. Rabbiin yakkoota irraa waan dabre namaa dhiisun waa lama irratti hundaaya: Wuduu'a fi Salaata raka'aa lamaa akkaataa hadiisicha keessatti ibsameen salaatuudha.
8. Humna humnoowwan wuduu'aa irraa ta'e hundaafuu daangatu jira: daangan fuulaa: dheerinatti iddoo rifeensi mataa kan barame itti biqilu irraa kaasee hanga waan areeda irraa gadi bu'ee fi qoffee gahutti, dalgatti ammoo gurraa hanga gurraati. Daangaan harkaa ammoo qaccee qubbeenii irraa hanga ciqilee gahutti, innis qoodduu irree fi harka gara duraati. Daangaan mataa moggaalee fuulaa irraa iddoo aadatti rifeensi itti biqilu irraa gateettii gara olii hanga gahutti, gurra lameen haquun mataa irraayi. Daangaan miilaa: miila guutumatti koomee jidduu miilatii fi mogolee adda qoodu waliin.

(3313)

(101) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِذَا تَوَضَّأَ أَحَدُكُمْ فَلْيَجْعَلْ فِي أَنْفِهِ ثُمَّ لِيَنْثُرْ، وَمَنِ اسْتَجْمَرَ فَلْيُوتِرْ، وَإِذَا اسْتَيْقَظَ أَحَدُكُمْ مِنْ نَوْمِهِ فَلْيَغْسِلْ يَدَهُ قَبْلَ أَنْ يُدْخِلَهَا فِي وَضُوئِهِ، فَإِنَّ أَحَدَكُمْ لَا يَدْرِي أَيْنَ بَاتَتْ يَدُهُ». ولفظ مسلم: «إِذَا اسْتَيْقَظَ أَحَدُكُمْ مِنْ نَوْمِهِ فَلَا يَغْمِسْ يَدَهُ فِي الْإِنَاءِ حَتَّى يَغْسِلَهَا ثَلَاثًا، فَإِنَّهُ لَا يَدْرِي أَيْنَ بَاتَتْ يَدُهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(101) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Tokkoon keessan yeroo wuduu'a godhatu bishaan funyaan isaa keessa ol galchee eegasii haa baasu, Namni bakka istinjatti dhagaa ykn waan isa fakkaatu fayyadame witrii (qarii) haa godhuu, Namni hirriiba irraa dammaqe immoo bishaan itti wuduu'a godhatuu deemu keessa osoo isa hin galchine harka isaa haa dhiqatuu, sababni isaas harki isaa eessa akka bule waan hin beekneef jecha". Muslim akka gabaasetti: "Tokkoon keessan yeroo hirriiba irraa ka'e harki isaa eessa akka bule waan hin beekneef jecha hanga yeroo sadii isa dhiquutti harka isaa mi'a (meeshaa/qodaa) keessa akka hin galchine". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- garii seera qulqullummaa ibsan, sana irraa: Tokkoffaan: Namni wuduu'a godhatu afuura isaatiin bishaan funyaan isaa keessa ol galchee eegasii ammas afuura isaatiin baasuudha qabaadha. Lammaffaan: Namni bishaanin osoo hin taane waan akka dhagaa fi waan dhagaa fakkaatun najisa isa irraa bahe ofirraa qulqulleessuu barbaade waan sana watrii godhuu qaba,

irra gadi aantin isaa sadii, irra ol aanan isaa immoo waan najisni bahe sun isaan citee iddoon qulqullaa'uniidha. Sadaffaan: Namni hirriiba halkanii irraa ka’e, hanga harka isaa yeroo sadii dhiqutti wuduu'a godhachuuf meeshaa bishaanii keessa harka isaa galchuu hin qabuudha, sababni isaas inni harki isaa eessa akka bule waan hin beekneef jecha, kanaafuu najisummaa irratti amanuu hin danda'u, sheyxaannis itti taphatee wantoota ilma namaa miidhan ykn bishaan sana balleessan itti fidu danda'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Istinshaaqni wuduu'a keessatti dirqama ta'uudha, innis: afuuran bishaan funyaan keessa ol galchuudha, akkasumas Istinsaarri dirqama ta'uudha, innis afuuran bishaan funyaan irraa baasuudha.
2. Dhagaan ykn waan isa fakkaatuun yeroo najisa ofirraa qulqulleesan isa witrii gochuun sunnaa ta'uudha.
3. Booda hirriiba halkaniitii harka lameen yeroo sadii dhiquun karaa ta'uudha.

(3033)

(102) – عَنِ ابْنِ عَبَّاسٍ رضي الله عنهما قَالَ: مَرَّ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ بِقَبْرَيْنِ، فَقَالَ: «إِنَّهُمَا لَيُعَذَّبَانِ، وَمَا يُعَذَّبَانِ فِي كَبِيرٍ، أَمَّا أَحَدُهُمَا فَكَانَ لَا يَسْتَتِرُ مِنَ البَوْلِ، وَأَمَّا الآخَرُ فَكَانَ يَمْشِي بِالنَّمِيمَةِ» ثُمَّ أَخَذَ جَرِيدَةً رَطْبَةً، فَشَقَّهَا نِصْفَيْنِ، فَغَرَزَ فِي كُلِّ قَبْرٍ وَاحِدَةً، قَالُوا: يَا رَسُولَ اللَّهِ، لِمَ فَعَلْتَ هَذَا؟ قَالَ: «لَعَلَّهُ يُخَفَّفُ عَنْهُمَا مَا لَمْ يَيْبَسَا».

[صحيح] - [متفق عليه]

(102) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi

nageenya isaan irratti haa buusu- qabrii wahii lama bira dabranii, akkana jedhan: “Isaan lamaan kun adabamaaru, adabamuun isaanis waan guddaafii miti, tokkoon isaanii fincaan kan ofirraa hin qulqulleessine ture, inni kuun immoo gidduu namootatti kan namiimaan (walitti mufannaa namoota giddutti argamsiisuuf jecha haasaa tokko irraa gara kaanii geessuun) deemu ture". Eegasii muka jiidhaa wahii fuudhanii isa bakka lamaatti qoodanii, hunda qabrii irra tokko gadi dhaaban, ni jedhan (sahaabonni): "yaa ergamaa Rabbii maalif kana hojjatte?, isaanis ni jedhan: “waan mukni lameen kun hin goggoginiin Rabbiin isaan lameen irraa adabbii salphisuudhan kajeela". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qabrii lama bira dabranii akkana jedhani: Abbootiin lameen qabrii kana lameenii adabamaaru, ilaalcha keessan keessatti waan guddaaf adabamaa hin jiranu, Rabbiin biratti guddaa haa ta'uu malee, Tokkoon isaanii yeroo mana fincaanii seene fincaan irraa qaama isaatii fi uffata isaa eeggachuuf dhimma kan hin qabne ture, Inni kuun immoo namoota gidduutti namiimaan kan deemu ture, isaan gidduutti rakkina uumuuf jecha haasaa isa kanaa fuudhee isa kaan bira geessa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namiimaa fi fincaan irraa of qulqulleessuu dhabuun diliiwwan gurguddoo fi adabbii qabriitif waan sababaa namatti ta'an irraayi.
2. Rabbiin -qulqullaa'e- garii wantoota nama irraa fagoo ta'an -kan akka adabbii qabrii- mallattoo nabiyyummaa

isaanii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- muldhisuuf jecha irraa saaqa.

3. Gochi muka bakka lamaatti qoodanii qabrii irra kaayuu kun Nabiyyii qofaafi -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-; sababni isaas waan Rabbiin haala abbootii qabrii lameenii isaan agarsiiseef jecha, haala warra qabrii namni beeku waan hin jirreef namni biroo akka isaanii ta'uu hin danda'u.

(3010)

(103) – عَنْ أَنَسٍ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ إِذَا دَخَلَ الخَلَاءَ قَالَ: «اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الخُبُثِ وَالخَبَائِثِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(103) – Anas irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo mana fincaanii seenan akkana jedhu ture: “Yaa Rabbi ani sheyxaana dhiirotaati fi sheyxaana dubartootaa irraan sitti majanfadha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fincaan haa ta'uu yokaan sagaraa bakka itti haajaa isaanii baafachuu barbaadan yeroo seenuu fedhan akka Rabbiin hamtuu sheyxaana kormaafii dhalaa irraa isaan tiksu Rabbitti kan majanfatan ta'an, Ammallee jechi "Al-khubus" fi "wal khabaa'is" jedhu wantoota hamtuu fi najisoowwanitti hiikameera.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Du'aa'ii kana yeroo mana fincaanii seenuu barbaadanitti jechuun sunnaa ta'uudha.
2. Uumamni hundinuu haala isaanii hunda keessatti waan isaan rakkisu ykn isaan miidhu ofirraa deebisuu keessatti gara Rabbii isaanitti haajamoodha.

(3150)

(104) – عن عائشة رضي الله عنها قالتْ: قال رسولُ الله صلى الله عليه وسلم: «السِّوَاكُ مَطْهَرَةٌ لِلْفَمِ، مَرْضَاةٌ لِلرَّبِّ». [صحيح] - [رواه النسائي وأحمد]

(104) – Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- ni jette: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Siwaakiin afaaniif qulqullina, Rabbiif waan isa jaallachiisuudha". [sirrii] - [Nasaa'ii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti damee muka aadigaatii fi kan isa fakkaatuun ilkaan qulqulleeffachuun hafuura badaa fi xuriiwwan irraa afaan akka qulqulleessu himan. Akkasumas suwaakkatuun sababoowwan garbichi jaalala Rabbii ittiin argatu irraa ta'uu himan; waan isa keessa Rabbiin tole jechuu fi ajaja isaa fudhachuun jiruuf jecha, akkasumas waan qulqullinni Rabbiin ol ta'e jaallatu isa keessa jiruuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa suwaakkachuun qabuu fi akka isa heddummeessanuuf Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi

nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanii kakaasuudha.

2. Suwaakkachuu keessatti irra caalaan damee muka araakii fayyadamuudha, buruushii fi saamunaa fayyadamuun bakka isaa ni bu'a.

(3588)

(105) – عَنْ حُذَيْفَةَ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ إِذَا قَامَ مِنَ اللَّيْلِ يَشُوصُ فَاهُ بِالسِّوَاكِ. [صحيح] - [متفق عليه]

(105) – Huzeyfaa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- halkan yeroo ka'an rigaan afaan isaanii rigatu turani. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hedduu rigachuu fi isatti ajajaa turani, inni yeroo garii immoo jabeeffamaa ta'a, isaan keessaa: halkan yeroo ka'an, waan nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- afaan isaanii rigaan riganii qulqulleeffataa turaniif jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Halkan yeroo hirriba irraa ka'an rigaan jabeeffamee karaa godhamuu isaati, hirribni foolii afaanii waan jijjiiruuf jecha, rigaan immoo meeshaa qulqullinaati.
2. Hadiisa darbe irraa fudhachuun, yeroo fooliin afaanii ajaawu hunda rigaa fayyadamuun jabeeffamee karaa godhamuu isaa.

3. Akka wolii galaatti qulqullinni karaa godhamuu fi inni karaa nabiyyiifi -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namuusa olaanaa irraa akka ta'eedha.
4. Afaan hunda keessa rigachuun, ilkaan, irgoo fi arraba qabata.
5. Rigaan damee muka araakii fi kan biraa irraa muramee, afaanii fi ilkaan qulqulleessuuf kan itti fayyadamuudha, afaan ni urgeessa, foolii ajaawaas ni adeemsisa.

(3063)

(106) – عن أبي هريرة قال: قال رسولُ الله صلى الله عليه وسلم: «حَقٌّ عَلَى كُلِّ مُسْلِمٍ أَنْ يَغْتَسِلَ فِي كُلِّ سَبْعَةِ أَيَّامٍ يَوْمًا، يَغْسِلُ فِيهِ رَأْسَهُ وَجَسَدَهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(106) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan. “Muslimni hundinuu torbaanitti guyyaa tokko dhiqachuuf dirqama qaba, yeroo sanatti mataa fi qaama isaa dhiqata”. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akka himanitti: Muslima ga’eessa sammuu qabu hunda irratti torbaanitti guyyaa tokko dhiqachuun haqa jabeeffamaadha, guyyaa kana keessatti mataa fi qaama isaa ni dhiqata, qulqullina barbaaduuf jecha, irra caalaan guyyoota kanaa guyyaa jum'aati, akkuma hadiisa tokko tokko irraa hubatamutti. Guyyaa jum'aa salaata duratti dhiqachuun akkaan jaallatamaadha, fakkeenyaf osoo guyyaa khamisaa dhiqatellee, dhiqatinsi guyyaa jum'aa waajiba ta'uu irraa wanni dhoorgu jecha Aa'ishaati -Rabbiin irraa haa jaallatu-: "Namoonni hojii adda addaa hojjachuun

khaadima lubbuu ofii turan, yeroo gara jum'aa deeman akkuma jiranitti kan deeman ta'an, kanaaf akkana isaanin jedhame: osoo dhiqattanii", Bukhaariitu gabaase. Gabaasa biraa kan isaa keessatti: "isaanif fooleetu ture", foolee dafqaati fi waan biroo, sanuma wajjiin akkana isaanin jedhame: "Osoo dhiqattanii", kan isaanin akkana jedhame nama birotti daran jabeeffama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Islaamummaan qulqullinaaf eddoo guddaa akka kenneedha.
2. Guyyaa Jimaataa Salaataf dhiqachuun akkaan jaallatamaa akka ta'eedha.
3. Osoo qaama keessa galee jiruu mataa addatti dubbachuun itti yaaddahuuf akka ta'eedha.
4. Nama hafuura hin tolle kan namoonni itti miidhamu qabu irratti dhiqannaan dirqama ta'uudha.
5. Dhiqannaaf irra jabaan guyyaa Jimaataati; sababni isaas sadarkaa waan qabuuf jecha.

(65084)

(107) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: سَمِعْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «الْفِطْرَةُ خَمْسٌ: الْخِتَانُ، وَالِاسْتِحْدَادُ، وَقَصُّ الشَّارِبِ، وَتَقْلِيمُ الْأَظْفَارِ، وَنَتْفُ الْآبَاطِ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(107) – Abbaa Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhuun dhagahe: “Uumamni waa shani, isaanis: Kittaannaa, rifeensa qaama saalaa maddii haaddachuu, rifeensa affarroo muruu, kottee gabaabsuu fi

rifeensa bobaa jalaa buqqisuudha”. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- amaloota shan kan amantii Islaamaa fi sunnaalee ergamtootaa irraa ta'an ibsan:

Sana keessaa inni jalqabaa: kittaannaadha, innis gogaa dabalataa mataa qaama saalaa dhiiraa irratti argamu irraa kutuudha, akkasumas mataa gogaa qaama saalaa dubartii bakka qaamni saalaa dhiiraa seenuun olitti argamu irraa kutuudha.

Inni lammaffaa: Istihdaada, innis rifeensa naannoo qaaama saalaa haaddachuudha.

Sadaffaan: Rifeensa affarroo muruudha, innis waan hidhii dhiiraa tan gubbaa irratti biqilu yoo ta'u, akka hidhiin mul’atutti muruudha.

Afraffaan: Qeensa gabaabsuudha.

Shanaffaan: Rifeensa bobaa jalaa buqqisuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sunnaaleen Ergamtootaa tan Rabbiin isii jaallatee isitti ajaju, guutuu, qulqullummaa fi bareedinatti waamti.
2. Wantoota kannneen too'achuun karaa ta'uu fi ishee irraa dagachuu dhabuudha.
3. Amaloonni kun faayidaa amantii fi duniyaa kan qaban yoo ta’u, isaan keessaa: Akkaataa ofii miidhagsuu, qaama qulqulleessuu, qulqullummaaf of eeggannoo gochuu, kaafiroota fallessuu fi ajaja Rabbiif ajajamuu faadha.
4. Shanan kana malee amala dabalataan naamusa uumamaa kan akka: areeda guddisuu, siwaaka (rigaa ilkaanii)

fayyadamuu fi kanneen biroo akka jiran hadiisa biroo keessatti ibsameera.

(3144)

(108) – عَنْ عَلِيٍّ رضي الله عنه قَالَ: كُنْتُ رَجُلًا مَذَّاءً وَكُنْتُ أَسْتَحْيِي أَنْ أَسْأَلَ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ لِمَكَانِ ابْنَتِهِ فَأَمَرْتُ الْمِقْدَادَ بْنَ الْأَسْوَدِ فَسَأَلَهُ فَقَالَ: «يَغْسِلُ ذَكَرَهُ وَيَتَوَضَّأُ». وَلِلْبُخَارِيِّ: فَقَالَ: «تَوَضَّأْ وَاغْسِلْ ذَكَرَكَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(108) – Aliyyi irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Ani nama baay'ee bishaan (mazyiin) qaama saalaa irraa dhangala'u ture, intalti isaanii waan nabira jirtuuf jecha Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafachuu saalfadheetiin Miqdaad ilma Aswad akka isaan naaf gaafatuuf jecha ergee, gaafatee jennaan, isaanis akkana jedhan: "Qaama saalaa isaa dhiqatee wuduu'a godhata". Akka Bukhaariin gabaasetti immoo akkana jedhan: "wuduu'a godhadhuutii qaama saalaa kee dhiqi". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Aliyyii bin Abii Xaalib -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- yeroo baay'ee mazyiin akka isa irraa bahu hime -innis bishaan qal'aa mucucaataa kan yeroo fedhii saalaa ykn walqunnamtii saalaa dura qaama saalaa irraa bahuudha. Maal gochuu akka qabu hin beekne, Rasuulas -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafachuu saalfate, Sababni isaas Abbaa manaa Faaximaa intala Rasuulaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan ta'eef jecha, Kanaafuu Miqdaad bin Aswad irraa waa'ee sanaa akka Rasuula -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan

irratti haa buusu- isaaf gaafatu barbaade, Isaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuun deebisaniif: Qaama saalaa dhiqateeti eegasii wuduu'a godhata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Aliyyii bin Abii Xaalib -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- saalfachuun nama birootinis ta'u gaaffii irraa kan isa hin dhoorgin ta'uun sadarkaa isaa muldhisaadha.
2. Fatwaa gaafachuu keessatti nama biroo bakka buufachuun ni danda'amaadha.
3. Yoo bu'aa wahiitif ta'e namni tokko ofii isaa irraa waan saalfii tokko nama birootti himuun ni danda'amaadha.
4. Mazyiin (bishaan fedhii saalaatiin bahu) najisa ta'uu fi qaama fi uffata irraa isa dhiquun dirqama ta'uudha.
5. Bahiinsi mazyii wantoota wuduu'a diigan keessaa isa tokkoodha.
6. Hadiisa biraa keessatti waan dhufee jiruuf qaama saalaa fi killee (cidhaan) lameen dhiqachuun dirqama ta'uudha.

(3348)

(109) – عَنْ عَائِشَةَ أُمِّ المؤمنين رضي الله عنها قَالَتْ: كَانَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ إِذَا اغْتَسَلَ مِنَ الجَنَابَةِ، غَسَلَ يَدَيْهِ، وَتَوَضَّأَ وُضُوءَهُ لِلصَّلاَةِ، ثُمَّ اغْتَسَلَ، ثُمَّ يُخَلِّلُ بِيَدِهِ شَعَرَهُ، حَتَّى إِذَا ظَنَّ أَنَّهُ قَدْ أَرْوَى بَشَرَتَهُ، أَفَاضَ عَلَيْهِ المَاءَ ثَلاَثَ مَرَّاتٍ، ثُمَّ غَسَلَ سَائِرَ جَسَدِهِ، وَقَالَتْ: كُنْتُ أَغْتَسِلُ أَنَا وَرَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ مِنْ إِنَاءٍ وَاحِدٍ، نَغْرِفُ مِنْهُ جَمِيعًا. [صحيح] - [رواه البخاري]

(108) – Aa'ishaa Haadha Mu'umintootaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- akkas jette: Ergamaan Rabbii -

Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- janaabaa irraa yeroo dhiqachuu barbaadan, harka isaanii lameen dhiqatanii wuduu'a isaanii kan yeroo salaatuuf jedhan godhatan kan godhatan ta'an, eegasii ni dhiqatu, eegasii harka isaanii rifeensa isaanii keessa galchanii kan dhiqatan ta'an, yeroo qaama isaanii bishaan quubsuu yaadanitti bishaan yeroo sadii mataa gubbaa ofitti naqanii, eegasii qaama isaanii hunda dhiqatu. Aa'ishaan akkana jette: anaa fi Ergamaan Rabbii - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- meeshaa tokko irraa kan dhiqannu taane, nuti hundinuu isuma irraa hammaarranna. [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- janaabaa irraa dhiqachuu yeroo barbaadan harka isaanii lameen dhiqachuun jalqaban ture, Eegasii akkuma nama salaataf wuduu'a godhatutti wuduu'a godhatan, eegasii bishaan qaama isaanii irratti naqanii, eegasii harka isaanii lameen rifeensa mataa isaanii keessa o'oofan, yeroo bishaan hundee rifeensatti gahee, qaama obaase jechuu yaadanitti bishaan mataa gubbaa yeroo sadii ofitti naqan, eegasii qaama isaanii isa hafe dhiqan. Aa'ishaan akkana jette: anaa fi Ergamaan Rabbii - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- meeshaa tokko irraa kan dhiqannu taane, nuti hundinuu isuma irraa bishaan hammaarranna.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Janaabaa irraa dhiqachuun gosa lama: isaanis gartokkee fi guutuu jedhama, Dhiqannaan gartokkeen namichi xaaharaa niyyatee, eegasii lulluuqannaa fi bishaan

funyaan keessa ol galchee baasuun waliin bishaan qaama isaa waliin gayuudha, Dhiqannaan guutuun immoo akka Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa kana keessatti dhiqatan kanatti dhiqachuudha.

2. Hunda nama bishaan sanyii isaa dhangalaase, ykn walqunnamtii saalaa raawwate, osoo bishaan irraa bu'uu baatellee janaabaan irratti ni dhugooma.
3. Abbaan manaa fi haati manaa qaama saalaa walii ilaaluu ni danda'uudha, akkasumas meeshaa tokko irraa waliin dhiqachuu ni danda'uudha.

(3316)

(110) – عَنْ عَمَّارِ بنِ ياسِرٍ رضي الله عنه قال: بَعَثَنِي رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِي حَاجَةٍ، فَأَجْنَبْتُ فَلَمْ أَجِدِ الْمَاءَ، فَتَمَرَّغْتُ فِي الصَّعِيدِ كَمَا تَمَرَّغُ الدَّابَّةُ ثُمَّ أَتَيْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَذَكَرْتُ ذَلِكَ لَهُ فَقَالَ: «إِنَّمَا كَانَ يَكْفِيكَ أَنْ تَقُولَ بِيَدَيْكَ هَكَذَا» ثُمَّ ضَرَبَ بِيَدَيْهِ الْأَرْضَ ضَرْبَةً وَاحِدَةً، ثُمَّ مَسَحَ الشِّمَالَ عَلَى الْيَمِينِ، وَظَاهِرَ كَفَّيْهِ وَوَجْهَهُ. [صحيح] - [متفق عليه]

(110) – Ammaar bin Yaasiir irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- dhimma wahiitif na ergan, ani janaabayee bishaan argachuu hin dandeenye, kanaaf jecha akka beyladaan gangalatutti biyyee keessa gangaladhe, eegasii Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- dhufee sana itti himee, akkas jedhan: "Harka kee lameenin akkana jechuutu siif gaya ture" eegasii yeroo tokko harka isaanii

lameenin lafa rukutanii, eegasii harka bitaatin harka mirgaa irra haxaa’an, akkasumas gubbaa shanacha harka isaanii lameeni fi fuula isaanii haxaa'an. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- Ammaar bin Yaasir -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- garii dhimmoota isaanitiif jecha imala erganii jennaan, imalicha keessatti walqunnamtii saalaa raawwachuudhaan ykn fedhiidhaan maniyyiin irraa dhangala'uun janaabaan isatti dhufee, bishaan ittiin dhiqatu argachuu hin dandeenye, Janaabaaf jecha murtii tayammumaa hin beeku ture, garuu murtii isaa hadasa xiqqaaf(waan akka dhuufuu, fincaanii fi sagaraatif) jecha ni beeka ture, Kanaafuu hadasa xiqqaa keessatti akkuma gariin qaamolee wuduu'aa biyyee lafaa irra haxaa'uun tayammuma godhamutti janaabadhaaf yeroo tayammuma godhatan biyyeen qaama hunda waliin gayuun dirqama jechuu yaade; bishaan irratti qiyaasa godhachuuf jecha, kanaaf hanga qaama hunda waliin gayutti biyyee keessa gangalatee salaate, Eegasii gara Nabiyyiitti -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- dhufee sana itti hime; haqa irra jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu akka beekuuf jecha. Nabiyyiinis -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- hadasa xiqqaa akka fincaanitii fi hadasa guddaa akka janaabaa irraa akkamitti akka xaaharatu isaaf ibsan, innis harka isaa lameenin yeroo tokko biyyee irra rukutee, eegasii harka bitaatin harka mirgaa irra haxaa'uudha, akkasumas gubbaa shanacha harka isaa lameeni fi fuula isaa haxaa'uudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Tayammuma godhachuun duratti bishaan barbaaduun dirqama ta'uudha.
2. Nama janaabdaa qabu kan bishaan hin argatiniif tayammuma godhachuun karaa ta'uudha.
3. Hadasa guddaaf tayammuma godhachuun akkuma hadasa xiqqaaf jecha tayammuma godhachuuti.

(3461)

(111) – عَنْ المُغِيرَةِ رضي الله عنه قَالَ: كُنْتُ مَعَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِي سَفَرٍ، فَأَهْوَيْتُ لِأَنْزِعَ خُفَّيْهِ، فَقَالَ: «دَعْهُمَا، فَإِنِّي أَدْخَلْتُهُمَا طَاهِرَتَيْنِ» فَمَسَحَ عَلَيْهِمَا.

[صحيح] - [متفق عليه]

(111) – Mughiiraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe:- Imala tokko keessatti Nabiyyii wajjiin ture -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-, kophee isaanii lameen irraa baasuuf gadi jedhee jennaan, akkana jedhani: "dhiisi ani Qulqulluu haala ta'aniinin isaan lameen godhadhee", eegasii isaan lameen irra haxaayan. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- tokkoo imala isaanii keessatti wuduu'a godhatanii, Miila dhiqachuu bira yeruma gayani Mughiiraa bin Shu'ubaa -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- kophee irraa waan miila Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irra jiru baasuuf jecha harka isaa lameen laate miilli lameen akka dhiqamaniif jecha! Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya

isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: Dhiisi isaan hin baasinii, ani miila koo lameen haala qulqullina irra jiraniinin kophee lameen keessa galchee, Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bakka miila lameen dhiquudhaa kophee lameen irra haxaayan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kophee lameen irra haxaayun kan hayyamamu yeroo Hadasa xiqqaa akka fincaanii irraa wuduu'a godhataniidha, Hadasa guddaa akka janaabaa irraa yeroo dhiqatan immoo miila lameen dhiquun dirqama ta'a.
2. Haxaa'uun yeroo tokko qofa harka jiidha qabu jala osoo hin taane gubbaa kophee irra dabarsuudhaan ta'a.
3. Ulaagaan Kophee lameen irra haxaayuu wuduu'a guutuu miilli lameen bishaaniin isa keessatti dhiqaman booda uffachuu, kopheen qulqulluu ta'uu, miila irra bakka wuduu'iin itti dirqama ta'u kan dhoksu ta'uu, kophee irra haxaayuunis hadasa guddaa ykn waan dhiqannaa dirqama taasisu booda osoo hin taane hadasa xiqqaa booda ta'uu fi kophee irra haxaayuun yeroo shari'aan daangeffame keessatti ta'uudha, innis nama biyya jiruuf guyyaa tokkoo fi halkan tokko, nama imala irra jiruuf immoo guyyaa sadii halkan isaanii waliini.
4. Wanti miila dhoksu hundi, kan akka kaalsii fi wantoota biroo, akka kophee lameenitti ilaalama, kanaafuu isa irra haxaa'uun ni danda'ama.
5. Amallii fi barsiisni Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaarii ta'uudha, sun Mughiiraa akka isaan irraa kophee lameen hin baasne

yeroo dhoorganii sababa isaas qulqulluu haala ta'aniin godhachuu akka ta'e itti himanitti, kunis lubbuun isaa akka tasgabbooftuu fi murtii isaa akka beekuuf jecha.

(3014)

(112) – عَنْ عَائِشَةَ أُمِّ المؤمنين رضي الله عنها أَنَّ فَاطِمَةَ بِنْتَ أَبِي حُبَيْشٍ سَأَلَتِ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَتْ: إِنِّي أُسْتَحَاضُ فَلاَ أَطْهُرُ، أَفَأَدَعُ الصَّلاَةَ؟ فَقَالَ: «لَا، إِنَّ ذَلِكِ عِرْقٌ، وَلَكِنْ دَعِي الصَّلاَةَ قَدْرَ الأَيَّامِ الَّتِي كُنْتِ تَحِيضِينَ فِيهَا، ثُمَّ اغْتَسِلِي وَصَلِّي».

[صحيح] - [متفق عليه]

(112) – Aa'ishaa Haadha Mu'umintootaa irraa odeeffamee -Rabbiin ishee irraa haa jaallatu- Faaximaan binti Abii Hubeysh Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jettee gaafatte: Ani istihaadaa (dhiiga dhukkubaa) qaba, isa irraa hin qulqullaa'u, kanaafuu Salaata dhiisuun naa ni eeyyamamaa? isaanis akkana jedhan: “Lakkii, sun hidda, garuu guyyoota hanga dhiigni ji'aa ishee keessatti sitti dhufuu sana salaata dhiisii, eegasii dhiqadhuu salaati". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Faaximaa binti Hubeyishii Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jettee gaafatte: Dhiigni narraa dhaabbachuu dhabuu irraa kan ka'een yeroo dhiiga ji'aa irra hin jirrellee itti fufa, murtiin sanaa murtii dhiiga ji'aa ta'uu danda'aa, sababaa isaatiin salaata nan dhiisaa? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: inni dhiiga istihaadaati, innis dhiiga dhukkubaa kan citiinsa hidda wahii kan gadameessaa keessa jiru irraa

argamuudha, Osoo dhiigni dhukkubaa sitti hin dhufiniin duratti akka Aadaa tee tan ji'atti yeroon dhiigni ji'aa isa keessatti sitti dhufu yeroo dhufe salaata, soomaa fi wantoota biroo kan isaan fakkaatan kan yeroo dhiiga ji'aa dubartiin dhiigni ji'aa itti jiru irraa dhoorgamtu dhiisi. Yeroo yeroon sun dhumetti ati dhiigni ji'aa sirraa dhaabbate waan ta'eef iddoo dhiigaa sana dhiqi, eegasii xurii ofirraa kaasuuf jecha dhiqannaa guutuu ta'e qaama kee dhiqadhu, eegasii salaati.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Guyyoonni dhiiga ji'aa yeroo xumuramanitti qaama guutuu dhiqachuun dubartii irratti dirqama ta'uudha.
2. Dubartii dhiigni dhukkubaa itti jiru irratti salaanni dirqama ta'uudha.
3. Dhiiga ji'aa jechuun: Dhiiga uumamaa gadameessaan karaa qaama saalaa dubartii ballaghtee baasuudha, guyyoota beekamoo ta'an keessatti itti dhufa.
4. Dhiiga dhukkubaa jechuun: Dhiiga yeroo malee gadaameessaa gara irraa gadiitii yaa'uudha.
5. Garaagarummaan gidduu dhiiga ji'aatii fi dhiiga dhukkubaa jiru: Dhiigni ji'aa gurraacha furdaa hafuurri isaa ajaa qabuudha, dhiigni dhukkubaa immoo dhiiga diimaa haphii hafuura ajaayu hin qabneedha.

(3029)

(113) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِذَا وَجَدَ أَحَدُكُمْ فِي بَطْنِهِ شَيْئًا، فَأَشْكَلَ عَلَيْهِ أَخَرَجَ مِنْهُ شَيْءٌ أَمْ لَا، فَلَا يَخْرُجَنَّ مِنَ الْمَسْجِدِ حَتَّى يَسْمَعَ صَوْتًا، أَوْ يَجِدَ رِيحًا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(113) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan. “Tokkoon keessan yeroo garaa isaa keessatti waan tokko shakke wanti sun irraa ba’uu fi dhiisuu isaa mirkaneeffachuu yoo baate, hanga sagalee dhaga’utti ykn hafuura wahii arguutti akka masjiidaa hin baane". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akka ibsanitti wanti namni osoo salaatatti jiruu garaa isaa keessatti bahe moo hin baane jedhee burjaaja'u, hanga waan wuduu'a isaa san balleessu sagalee dhagahuun ykn hafuura fuunfachuun mirkaneeffatutti Salaata dhiisee wuduu’a irra deebi’uuf ba'uu hin qabu; sababni isaas waan mirkanaa'e tokko shakkiin waan isa hin balleessineef jecha. Namichi salaatatti jiru wuduu'a akka qabu dhugumatti mirkaneeffateera, wanni wuduu'a balleessa jedhamee yaadamu ammoo shakkiidha qaba.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hadiisni kun bu’uura Islaamaa fi seera barumsa fiqhii keessaa tokko yoo ta’u, innis: Mirkanummaan shakkiidhaan hin buqqa’uu fi wanni tokko hanga wanti isa faallessu mirkanaa'utti wahuma duraan irra jiru irratti hafaadha.
2. Shakkiin qulqullummaa/wuduu'a irratti dhiibbaa hin geessisuu fi namni salaatu waan mirkanaa’e yoo ta’e malee qulqullummaa isaa irratti akka hafuudha.

(65083)

(114) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: إِنَّ رَسُولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «إِذَا شَرِبَ الْكَلْبُ فِي إِنَاءِ أَحَدِكُمْ فَلْيَغْسِلْهُ سَبْعًا».

ولمسلم: «أُولَاهُنَّ بالتُّراب». [صحيح] - [متفق عليه]

(114) – Abuu Hurayraaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Yeroo sareen meeshaa tokkoo keessanii keessaa dhugdetti si'a torba isa haa dhiqu».

Akka gabaasa Muslimitti: «Inni jalqabaa biyyoon ta'a». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo sareen arraba isaa meeshaa keessa seensisetti si'a torba dhiquutti ajajani, si'a torba keessaa kan jalqabaa biyyoo woliin ta'ee dhiqama, isa boodaa bishaan akka dhufuuf jecha, kanaan najaasaa fi miidhaa isaa irraa qulqullinni guutuun argama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gororri saree najaasaa jabaa irraati.
2. Sareen meeshaa keessa afaan seensifachuun najaasaa isa taasisa, bishaan isa keessa jirullee ni najisa.
3. Biyyoon qulqulleessuunii fi yeroo torba irra deebi'uun afaan isaa meeshaa keessa seensisuu irratti gabaabbata, fincaan, sagaraa fi hunda waan sareen karaa biraatiin faale biroo hin ilaallatu.
4. Akkaataan meeshaa biyyoodhaan itti dhiqanu: bishaan meeshaa keessatti naquun biyyoo immoo isa irratti dabala,

eegasii makaa kanaan meshaa sana dhiqa.

5. Ergaan hadiisichaa inni ifa galaan saree hundayyuu akka qabatu kenna, saree shari'aan guddifachuu eeyyamte yoo taatellee, akka sareewwan adamoo, eegumsaa fi beelladaan eeggatanuu.
6. Saamunaa fi andoodeen bakka biyyoo bu'uu hin danda'anu; waan nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- biyyoo maqaa dha'aniif jecha.

(3143)

(115) – عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِذَا قَالَ الْمُؤَذِّنُ: اللهُ أَكْبَرُ اللهُ أَكْبَرُ، فَقَالَ أَحَدُكُمُ: اللهُ أَكْبَرُ اللهُ أَكْبَرُ، ثُمَّ قَالَ: أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، قَالَ: أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، ثُمَّ قَالَ: أَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللهِ، قَالَ: أَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللهِ، ثُمَّ قَالَ: حَيَّ عَلَى الصَّلَاةِ، قَالَ: لَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ، ثُمَّ قَالَ: حَيَّ عَلَى الْفَلَاحِ، قَالَ: لَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ، ثُمَّ قَالَ: اللهُ أَكْبَرُ اللهُ أَكْبَرُ، قَالَ: اللهُ أَكْبَرُ اللهُ أَكْبَرُ، ثُمَّ قَالَ: لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، قَالَ: لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ مِنْ قَلْبِهِ دَخَلَ الْجَنَّةَ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(115) – Umar ilma Khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: "Yemmuu Mu'azinni akkana jedhe: Allaahu Akbar, Allaahu Akbar, tokkoon keessan Allaahu Akbar, Allaahu Akbar jedha, ergasii Ash-hadu An laa ilaaha Illallaah yeroo jedhe innis Ash-hadu An laa ilaaha Illallaah jedha, Ash-hadu Anna Muhammadan rasuulullaah yeroo jedhe, innis Ash-hadu Anna Muhammadan rasuulullaah jedha, Hayya

Alassalaah yeroo jedhe, Laa hawla walaa quwwata illaa billaah jedha, Hayya Alal falaah yeroo jedhes laa hawla walaa quwwata illaa billaah jedha, Allaahu Akbar Allaahu Akbar yeroo jedhe, Allaahu Akbar Allaahu Akbar jedha, ergasii Laa ilaaha Illaallaah yeroo mu'azzinni jedhe, innis Laa ilaaha Illallaah jedha, kana qalbii isaa irraa kan jedhe taanan Jannata seene". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Waamichi salaataa(Azaanni) yeroon salaataa akka seene namootatti beeksisuudha, jechoonni azaanaas jechoota walitti qabaa barumsa amantii of keessaa qabuudha.

Hadiisa kana keessatti Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo waamicha salaataa (Azaana) dhaga'an waan jedhamuu qabu ibsaniiru, kunis dhaggeeffataan waan mu'azzinni jedhu irra deeb'ee jedhuu yoo tahu, Allaahu Akbar yeroo jedhe innis Allaahu Akbar jedha, hanga "Hayya Alassalaah" Hayya Alalfalaah" jedhutti, yeroo kana "Laa hawla walaa quwwata Illaa billaah" jedha.

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- namni qalbii isaa qulqulluun waan mu'azzinni jedhu irra deddeebi'ee jedhe Jannata akka seenu ibsaniiru.

Hiika jechoota azaanaa: "Allaahu Akbar" jechuun: Inni(Rabbiin) -qulqullaa'e- waa hunda irra guddaadha jechuudha.

"Ash-hadu An-laa Ilaaha Illallaah" jechuun: kan haqaan gabbaramu Rabbii tokkicha malee akka hin jirre ragaa baha jechuudha.

"Ash-hadu Anna Muhammadan rasuulullaah" jechuun: Muhaammad Ergamaa Rabbii, kan Rabbiin guddaan isaan erge

ta'uu isaanitii fi isaanif ajajamuun dirqama akka ta'e qalbii kootin itti amanee arraba kootin ammoo ragaa baha jechuudha.

"Hayya Al-Assalaah" jechuun: Gara salaataa koottaa jechuudha, jechi dhaggeeffataa: "Laa hawla walaa quwwata illaa billaah" kan jedhu sun immoo: wantoota ibaadaa irraa nama dhoorgan irraa nagaa bahuu fi waa tokko ibaadaa irraa hojjachuu irratti malaa fi dandeettiin towfiiqa Rabbii ol ta'eetin malee hin jiru jechuudha.

“Hayya Alal falaah” jechuun: gara kaayyoo milkaa’inaatti koottaa, innis Jannata argachuu fi Jahannam irraa bilisa ta'uudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa waan mu'azzinni jedhu waliin jechuun qabuudha, hayya alaa lamaan keessatti malee, yeroo san akkana jedha: “Rabbiin malee mallis, humnis hin jiru”.

(65086)

(116) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بْنِ عَمْرِو بْنِ الْعَاصِ رضي الله عنها أَنَّهُ سَمِعَ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «إِذَا سَمِعْتُمُ الْمُؤَذِّنَ فَقُولُوا مِثْلَ مَا يَقُولُ، ثُمَّ صَلُّوا عَلَيَّ، فَإِنَّهُ مَنْ صَلَّى عَلَيَّ صَلَاةً صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ بِهَا عَشْرًا، ثُمَّ سَلُوا اللهَ لِيَ الْوَسِيلَةَ، فَإِنَّهَا مَنْزِلَةٌ فِي الْجَنَّةِ، لَا تَنْبَغِي إِلَّا لِعَبْدٍ مِنْ عِبَادِ اللهِ، وَأَرْجُو أَنْ أَكُونَ أَنَا هُوَ، فَمَنْ سَأَلَ لِيَ الْوَسِيلَةَ حَلَّتْ لَهُ الشَّفَاعَةُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(116) – Abdullaah bin Amri bin Aas irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhu dhaga'e: "Yeroo mu'azzina dhageessan waan inni jedhu jedhaa, ergasii salawaata narratti buusaa, namni

ana irratti salawaata tokko buuse Rabbiin isa irratti kudhan buusa. Ergasii Wasiilaa naaf kadhaa, isiinis jannata keessatti sadarkaa guddaadha, gabroota Rabbii keessaa gabricha tokkoof malee hin taatu. Namni sun ana akka tahu hawwa. Namni Wasiilaa naaf kadhate shafa'aan kiyya isaaf raggaate". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni mu'azzina dhaga'e fakkaataa jecha isaa jechuun isa booda akka deddeebisu qajeelfama kennaniiru, yeroo inni "Hayya Al-salaah, hayya alal falaah" jedhu malee, yeroo sana akkana jedha: "Laa Howla walaa quwwata ilaa billaah" jechuunis: Mallis Humnis Rabbiin malee hin jiru jechuudha, jedha. Eega Azaanni xumurame booda nabiyyii irratti -nagaa fi rahmanni haa jiraatu- salawaata buusa, nama yeroo tokko isaan irratti salawaata buuse, Rabbiin yeroo kudhan isa irratti buusa. Rabbiin gabricha Isaa irratti salawaata ni buusa jechuun Malaa'ikaa biratti isa ni faarsa jechuudha.

Eegasii Rabbiin Wasiilaa akka isaanif -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- kennu Rabbi kadhachuutti ajajan, Wasiilaa jechuunis sadarkaa tokko kan Jannata keessa jiru yoo ta'u, innis irra ol aanaa sadarkaati. San argachuun ammoo gabroota Rabbii ol ta'e hunda irraa gabricha tokkoof malee nama kamiifuu hin ta'u, salphaas miti, Ani isa ta'uu koo nan abdadha. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- wanni akkas jedhaniif of gadi qabuufi; Sababni isaas, sadarkaan ol aanaan sun nama tokko qofaaf yoo ta'u, namni tokkichi sun isaan malee -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- nama biroo ta'uu hin danda'u; waan isaan irra caalaa uumamaa ta'aniif jecha.

Eegasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- nama isaanif Wasiilaa kadhateef shafa'aan isaanii akka argamtu ibsaniiru, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Waan inni jedhu jechuun Mu'azzinaaf deebii kennuu irratti kakaasuudha.
2. Eega waan Mu'azzinni jedhe jechuutii Nabiyyii irratti -nagaa fi rahmanni haa jiraatu- salawaata buusuun sadarkaa guddaa akka qabuudha.
3. Eega Nabiyyii irratti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- salawaata buusanii wasiilaa isaanif kadhachuu irratti kakaasuudha.
4. Hiika Wasiilaa fi sadarkaan isii ol aanaa akka ta'e ibsuudha, isiinis gabricha tokko qofaaf malee hin toltu.
5. Sadarkaa ol aantuu tanaan adda ta'uun sadarkaan Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- guddaa ta'uu ibsuudha.
6. Namni Nabiyyiif -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wasiilaa kadhate shafa'aan isaaf raggaate.
7. Isiin isaanif ta'uu waliin ummanni isaanii sadarkaa sana akka isaanif kadhatan barbaaduun of gadi qabuu Nabiyyii -nagaa fi rahamatni irra haa jiraatu- ibsuudha.
8. Hojiin gaariin tokko dachaa kudhaniin baay'atuun tola oolinsi Rabbiiti fi rahmanni Isaa bal'aa ta'uu ibsuudha.

(65087)

(117) – عَنْ سَعْدِ بْنِ أَبِي وَقَّاصٍ رضي الله عنه عَنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ أَنَّهُ قَالَ: «مَنْ قَالَ حِينَ يَسْمَعُ الْمُؤَذِّنَ أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، وَأَنَّ

مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ، رَضِيتُ بِاللهِ رَبًّا وَبِمُحَمَّدٍ رَسُولًا، وَبِالْإِسْلَامِ دِينًا، غُفِرَ لَهُ ذَنْبُهُ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(117) – Sa'ad bin Abii Waqqaas irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: “Namni yeroo mu'azzina dhaga’u akkana jedhe: "Ash-hadu an laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lah, wa anna Muhammadan abduhuu wa rasuuluh, radiitu billaahi rabban wabimuhammadin rasuulaa, wabil islaami diinaa" diliin isaa isaaf dhiifama, hiikni isaas: Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee haqaan gabbaramaan hin jiruu, Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uu ragaan ba'a, Rabbiin Gooftaa ta'uu, Muhammad ergamaa ta'uu, Islaamummaan immoo amantii ta'uu jaaladhe jechuudha”. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni mu'azzina yeroo dhaga'u du'aa'ii armaan gadii kana jedhe galata guddaa akka qabu himan "Ash-hadu an laa ilaaha illallaahu wadahuu laa shariika lah" jechuunis: Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee haqaan gabbaramaan akka hin jirree fi gabbaramaan Isa malee jiru hundi soba akka ta'e nan raggaasisa, ragaa ba'a, "Wa anna Muhammadan abduhuu marasuuluh" jechuunis: Muhammad gabricha Rabbii kan hin gabbaramne ta'uu fi Ergamaa Isaa kan hin sobne ta'uu ragaa ba'a, "Radiitu billaahi rabbaa" jechuunis: Rabbiin hojiilee, gabbartii, maqoolee Isaati fi sifowwan Isaatin gooftaa ta'uu jaaladhe", “Wabimuhammadin rasuulaa", jechuunis: Muhammad

hunduma waan isaan ergamanii fi nutti geessaniin waliin ergamaa ta'uu jaaladhe jechuudha, "Wabil islaami" jechuunis: Islaamummaa ajajoota fi dhoorgaalee irraa hunda heera fi seera isaa waliin jaaladhe jechuudha, “Diinaa" jechuunis: itti amanuu fi jala masakamuu keessatti amantii ta'uu jaaladhe jechuudha, “Diliin isaa ni dhiifama" jechuunis: nama du'aa'ii kana jedhe diliin isaa kan diliiwwan xixiqqaa irraa ta'e isaaf dhiifama jechuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Yeroo waamicha azaanaa dhaga’anitti du'aa'ii kana irra deddeebi’uun jechuun, wantoota badiiwwan nama irraa haqan keessaa isa tokko.

(6272)

(118) – عَنْ جَابِرِ بْنِ عَبْدِ اللَّهِ رضي الله عنهما أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «مَنْ قَالَ حِينَ يَسْمَعُ النِّدَاءَ: اللَّهُمَّ رَبَّ هَذِهِ الدَّعْوَةِ التَّامَّةِ، وَالصَّلاَةِ القَائِمَةِ، آتِ مُحَمَّدًا الوَسِيلَةَ وَالفَضِيلَةَ، وَابْعَثْهُ مَقَامًا مَحْمُودًا الَّذِي وَعَدْتَهُ، حَلَّتْ لَهُ شَفَاعَتِي يَوْمَ القِيَامَةِ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(118) – Jaabir bin Abdullaah irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: namni yemmuu azaana dhagahu akkas jedhe: "Yaa Rabbi, Gooftaa waamicha guutuu fi salaata yeroo hunda raawwatamu kanaa, Muhammadiif eddoo guddaa fi sadarkaa kenniif, gara eddoo faarfamaa isa ati waadaa galteettis isa ol kaasi" namni jedhe: shafaa'aan koo guyyaa qiyaamaa isaaf ni ragga'a” [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni erga azaanni xumuramee booda akkas akka jechuu qabu ibsan:

(Yaa Rabbi, Gooftaa waamicha kanaa), kunis jechoota waamicha azaanaa gara salaataa gabrootni Rabbii gara salaataa ittiin waamamuu dha, (Guutuu kan ta'e) hir'ina kan hin qabne, waamicha gama tokkichummaa Rabbii fi ergaa isaa, (Rabbii saalata tana dhaabe) kan yeroo hundaa hundeeffamtu, (Kenni) laadhu, (Muhammadiif wasiilaa kenni) sadarkaa ol'aanaa Jannata keessatti isa qofaaf malu, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, (Fadiilaas kenni) Sadarkaa uumamtoota hundaa caalu kenniif, (Eddoo kabajamaas kenniif) Kan isa keessa dhaabbatu galateeffamu, kunis Guyyaa Qiyaamaa shafa'aa/manguddummaa guddaadha, (kan ati waadaa galte) Nabi Iisaan akkas jechuu keetin (Gooftaan kee eddoo faarfamaa ta'etti si haa kaasa) Nabiyyiif ta'uu isaa nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu,

Namni du'aa'ii kanaan kadhate shafaa'aa (jaarsummaa) Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni argata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Erga mu'azzinni azaana xumuree booda seera qabeessummaa du'aaii kanaa ibsuu, , namni mu'azzina hin dhageenye ammoo jechuun isa irra hin jiraatu.
2. Uumamtoota biraa hunda caalaa wasiilaa, fadiilaa fi eddoo faarfamaa nabiyyiif nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu kennuun sadarkaa isaa nutti agarsiisa.
3. " Shafa'aan/manguddummaan kiyya ni mirkanaa'aaf) jechuun nabiyyichaa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- guyyaa qiyaamaa shafa'aan (manguddummaan) isaa

dhugatti jiraachuu isaa mirkaneessa.

4. shafaa'aan (manguddummaan) nabiyyichaa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- warreen badii gurguddaa qaban akka ibidda jahannam hin seenne, namni seenees akka bahu, ykn ammoo jannata herrega tokko malee akka seenan, ykn ammoo jannata keessatti sadarkaan isaanii akka dabaluu keessatti ta'a.
5. Xiibiin akkana jedhe: "Waamichi guutuun kan kutaa jalqabaa Azaana irraa kaasee hanga isa "Muhammad Rasuulullah" jedhutti. Hey'alaan (Hayya Alassalaah)n ammoo jecha 'isaannan salaata dhaaban' warra salaata dhaabu jechuu dha. Salaata jechuun du'aa'ii (kadhaa) jechuu dhas jedhame, tan dhaabbatte kan itti fufiinsaan ykn idileen salaatu jechuu dha, wanti tokko yeroo idilee ta'e ni dhaabbata jedhama. Haaluma kanaan "salaata dhaabbatte" Salaata jedhamee kan yaadame, Salaata amma Azaanni jedhamee gama isiititti waaman sana ta'uu danda'a. Jechi kun ifatti kan ibsu kana.
6. Muhallab akkana jedhe: hadiisa keessatti yeroo salaataa du'aa'ii kadhatuu jajjabeessuutu jira; Sababni isaas yeroo itti kadhatamee deebiin itti abdatamu waan ta'eefi.

(10635)

(119) – عَنْ أَنَسِ بْنِ مَالِكٍ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «الدُّعَاءُ لَا يُرَدُّ بَيْنَ الأَذَانِ وَالإِقَامَةِ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي]

(119) – Anas bin Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Du'aa'iin azaanaa fi iqaamaa jidduutti hin deebifamu». [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Nasaa'iitu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sadarkaa Du'aa'iin waamicha azaanaa fi iqaamaa gidduutti godhamu qabu, inni akka hin didamnee fi deebii argachuu akka qabu ibsaniiru, kanaaf yeroo kana keessatti Rabbiin kadhadhaa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa yeroo kana kadhachuun qabuudha.
2. Kadhataan naamusa kadhannaa hordofee, bakkoolee isaa fi yeroo isaa kan sadarkaa qabu keessatti yoo kadhate, Rabbiif ajajamuu diduu irraa fagaachuun, waan shakkii qaban keessa akka hin kufne yoo of eegee, Rabbitti yaada yoo tole, fedha Rabbiitin Rabbiin isaaf awwaachuun ni mala.
3. Munaawiin waa'ee du'aa'iin qeebalamuu ilaalchisee akkana jedhe: Jechuunis: haal-duree, utubaalee fi naamusaalee kadhannaa erga walitti qabee boodaadha, isaan keessaa tokko yoo hafe ofii isaa malee nama komatu hin qabu.
4. Du'aa'iin qeebalamuun: Yookaan kadhannaan isaa isaaf ni ariifata, yookaan hammeenyi walfakkaataan isa irraa ni deebi'a, yookaan immoo Aakhiraatti isaaf ol kaayama; Kunis akka ogummaa fi rahmata Rabbiitiini.

(5479)

(120) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّهُ سَمِعَ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «أَرَأَيْتُمْ لَوْ أَنَّ نَهَرًا بِبَابِ أَحَدِكُمْ يَغْتَسِلُ فِيهِ كُلَّ يَوْمٍ خَمْسًا، مَا تَقُولُ ذَلِكَ يُبْقِي مِنْ دَرَنِهِ؟» قَالُوا: لَا يُبْقِي مِنْ دَرَنِهِ شَيْئًا، قَالَ: «فَذَلِكَ مِثْلُ الصَّلَوَاتِ الخَمْسِ، يَمْحُو اللَّهُ بِهِ الخَطَايَا». [صحيح] - [متفق عليه]

(120) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- inni Ergamaa Rabbii -nagaa rahmanni isaan irratti haa jiraatu- kan akkana jedhu dhagahe: “Mee odeessaa! balbala tokkoo keessanitti lagni guyyaatti yeroo shan itti dhiqatu osoo jiraatee, mee maal jetta sun xurii isaa irraa homaa ni hanbisaa?" ni jedhan (sahaabonni): sun xurii isaa irraa homaa hin hanbisu, isaanis ni jedhan: "sun fakkeenya salaata shananiti, Rabbiin isaani diliiwwan haqa". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- salaata shanan guyyaa fi halkan keessatti salaataman isaan diliiwwan xixiqqoo nama irraa harcaasuu keessatti laga balbala nama tokkotti jiru kan guyyaatti yeroo shan irraa dhiqatutti fakkeessan, dilii isaa irraa homaa hin hafu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Tolli kun diliiwwan xixiqqoo ta'an haquu qofaafi, diliiwwan gurguddoo immoo irraa towbachuun dirqama.
2. Sadarkaa salaata shanan ulaagaalee isii, ruknoowwan isii, dirqamoowwan isiiti fi sunnoowwan isii eeggatanii raawwachuun qabuudha.

(4968)

(121) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بِن مَسْعُودٍ رضي الله عنه قَالَ: سَأَلْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: أَيُّ العَمَلِ أَحَبُّ إِلَى اللَّهِ؟ قَالَ: «الصَّلاَةُ عَلَى وَقْتِهَا»، قَالَ: ثُمَّ أَيٌّ؟ قَالَ: «ثُمَّ بِرُّ الوَالِدَيْنِ» قَالَ: ثُمَّ أَيٌّ؟ قَالَ: «الجِهَادُ فِي سَبِيلِ اللَّهِ» قَالَ: حَدَّثَنِي بِهِنَّ، وَلَوِ اسْتَزَدْتُهُ لَزَادَنِي.

[صحيح] - [متفق عليه]

(121) – Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Akkana jedheetiin Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafadhe: Hojii kamtu Rabbi biratti baay'ee jaallatama? isaanis akkana jedhan: "Salaata yeroo ishee eeggatanii salaatuudha", nan jedhe: Eegasii hoo? isaanis ni jedhan: “Abbaa fi haadhaatti tola ooluudha", nan jedhe: Eegasii hoo? isaanis ni jedhan: "Karaa Rabbii keessatti duuluudha" ni jedhe (ibnu mas'uud): Waa’ee isaanii natti himan, osoon dabalataan isaan gaafadhee silaa naaf dabalu ture. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuun gaafataman: Hojiin Rabbi biratti baay’ee jaallatama ta'e isa kami? ni jedhan: Salaata dirqama ta'e yeroo isaa kan Abbaan shari'aa tumeen salaatuudha. Eegasii Abbaa fi haadhaatti tola ooluudha, gaarii isaanii gochuu, haqa isaanii bahachuu fi isaanitti mataa jajjabaachuu dhabuun, Eegasii jecha Rabbii ol ta'ee ol taasisuuf, akkasumas Amantii Islaamaa fi warra isaa irraa diina deebisanii mallattoowwan isaa muldhisuuf jecha karaa Rabbii keessatti lubbuu fi qabeenyan duuluudha.

Ibnu Mas'uud -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: waa’ee hojiiwwan kanaa natti himan, osoon : Eegasii kami?

jedheenii silaa naaf dabalan ture.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hojiileen akkaataa jaalala Rabbiin isaaniif qabuun wal caaluudha.
2. Hojiilee irraa irra caalaa eegasii irra caalaa hojii hojjachuu irratti akka bololuuf Muslima kakaasuudha.
3. Irra caalaa hojiilee irraa deebiileen Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka wal dhabbii namoota gaafataniitii fi haalowwan isaanitiin wal dhabuudha, akkasumas kan tokko tokkoo isaanitiif hedduu faaydaa qabeessa taheen.

(3365)

(122) – عَنْ عُثْمَانَ رضي الله عنه قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَا مِنَ امْرِئٍ مُسْلِمٍ تَحْضُرُهُ صَلَاةٌ مَكْتُوبَةٌ فَيُحْسِنُ وُضُوءَهَا وَخُشُوعَهَا وَرُكُوعَهَا، إِلَّا كَانَتْ كَفَّارَةً لِمَا قَبْلَهَا مِنَ الذُّنُوبِ، مَا لَمْ يُؤْتِ كَبِيرَةً، وَذَلِكَ الدَّهْرَ كُلَّهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(122) – Usmaan irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana kan jedhuun dhagahe: “Namni muslimaa tokko kan salaanni dirqamaa itti dhuftee wuduu’a ishee bareechee godhatee, khushuu'a isheeti fi rukuu'a ishee eeggatee sirnaan salaatu hin jiru, waan dilii guddoo hin hojjatiniin salaanni sun diliiwwan irraa waan ishee duratti dabreef haqxuu/dhoksituu taatu malee hin hafu, sun waggaa guutuu keessatti”. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- Muslimni kamiyyuu yeroon salaata dirqamaa isatti dhaqqabee jennaan ka'ee wuduu'a bareechee guutee godhatee, eegasii bakka qalbii fi qaamni isaa guddina Isaa of dura qabaa haala ta'een Rabbitti garagalaa ta'etti salaata isaa khushuu'a eeggatee, hojiilee ishee kan rukuu'aa, sujuudaa fi kan biroo guutee sirnaan salaate, waan inni badiiwwan gurguddoo hin hojjatiniin salaanni tun badiiwwan xixiqqoo irraa waan ishee duratti dabre isaaf haqxuu taatu malee akka hin hafne ibsaniiru, sadarkaan kun yeroo fi salaata hundumaa keessatti ni jiraata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaatni diliiwwan namarraa harcaaftu ishee gabrichi wuduu'a ishee tolchee godhatee, khushuu'aan fuula Rabbii ol ta'ee isheen kan barbaadu haala ta'een salaateedha.
2. Sadarkaa hojii ibaadaa irratti cichuun qabuu fi sun diliiwwan xixiqqoof sababaa araaramaa akka ta'eedha.
3. Sadarkaa wuduu'a bareechanii godhachuu fi salaata khushuu'aan Rabbi sodaan bareechanii salaatuun qabuudha.
4. Diliiwwan xixiqqoof dhiifama argachuuf diliiwwan gurguddoo irraa fagaachuun barbaachisaa ta'uudha.
5. Diliiwwan gurguddoon towbaadhaan malee akka hin dhiifamneedha.

(6254)

(123) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم كان يقول:

«الصَّلَوَاتُ الْخَمْسُ، وَالْجُمُعَةُ إِلَى الْجُمُعَةِ، وَرَمَضَانُ إِلَى رَمَضَانَ، مُكَفِّرَاتٌ مَا بَيْنَهُنَّ إِذَا

اجْتَنَبَ الْكَبَائِرَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(123) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Salaatowwan shanan, Jumu'aan hanga Jumu'aatti, Ramadaanni hanga Ramadaanaatti, waan isaan gidduutti raawwatame ni haqan yoo badii gurguddoo irraa fagaatame". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti salaatonni shanan kan guyyaa fi halkan keessatti dirqama godhamanii fi salaanni jumu'aa torbaan hunda salaatamuu fi woggaa hunda baatii Ramadaanaa soomuun ulaagaa badiiwwan gurguddoo irraa fagaachuutiin badiiwwan xixiqqoo isaan gidduutti raawwatamte ni haqan jechuudha himan. Badiiwwan gurguddoon akka sagaagalummaa fi farsoo dhuguu, isiin tawbaan malee hin haqamtu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Badiiwwan irraa gurguddoo fi xixiqqootu jira.
2. Baddiiwwan xixiqqoon haqamuuf badiiwwan gurguddoo irraa fagaachuun dirqama.
3. Badiiwwan gurguddoon isii duuniyaa irratti adabbiin isiidhaaf dhufeedha, yookaan kan Aakhiraatti sodaachifni adabbiidhaan, yookaan dallansuun, yookaan akeekkachiisaan, yookaan nama isii dalage abaaruun, kan isiidhaaf dhufeedha, sun waan akka sagaagalummaa fi farsoo dhuguufaadha.

(3591)

(124) – عَنْ عَمْرِو بْنِ شُعَيْبٍ عَنْ أَبِيهِ عَنْ جَدِّهِ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مُرُوا أَوْلَادَكُمْ بِالصَّلَاةِ وَهُمْ أَبْنَاءُ سَبْعِ سِنِينَ، وَاضْرِبُوهُمْ عَلَيْهَا وَهُمْ أَبْنَاءُ عَشْرٍ، وَفَرِّقُوا بَيْنَهُمْ فِي الْمَضَاجِعِ». [حسن] - [رواه أبو داود]

(124) – Amrii bin Shu'eyb abbaa isaa akaakayyuu isaa irraa oedeessee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Ijoolleen keessan yeroo waggaa torba ta'an akka salaata jalqaban isaan ajajaa, yeroo waggaa kudhan guutan immoo (yoo didan) isaan rukutaa, eddoo hirriibaa irrattis addaan isaan baasaa". [hasani] - [Abuu Daawuud gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- abbaan ijoollee isaa -dhiirotaa fi dubartoota- yeroo umuriin isaanii waggaa torba ta'e akka salaatan isaan ajajuu fi waan salaatuuf isaan barbaachisu barsiisuu akka qabu ibsaniiru. Umriin isaanii waggaa kudhan yoo ga'u ajajni ni dabala, salaataf dantaa dhabiinsi yoo isaan irraa muldhate isaan rukuta, bakka hirriibaa irrattis addaan isaan baasa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ijoollee xixiqqoo osoo isaan hin ballaghne dhimma amantii isaan barsiisuudha, sana keessaa inni guddaan waa'ee salaatati.
2. Reebichi adabbiidhaaf malee miidhaaf miti, kanaafuu reebicha haala isaa (daa'imaa) wajjiin walsimu reebuudha qaba.
3. Shari'aan kabaja namaa eeguu fi daandii badiitti geessu

hunda cufuuf xiyyeeffannoo kennuudha.

(5272)

(125) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللهُ عنه سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم يَقُولُ: «قَالَ اللهُ تَعَالَى: قَسَمْتُ الصَّلَاةَ بَيْنِي وَبَيْنَ عَبْدِي نِصْفَيْنِ، وَلِعَبْدِي مَا سَأَلَ، فَإِذَا قَالَ الْعَبْدُ: {الْحَمْدُ لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ}، قَالَ اللهُ تَعَالَى: حَمِدَنِي عَبْدِي، وَإِذَا قَالَ: {الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ}، قَالَ اللهُ تَعَالَى: أَثْنَى عَلَيَّ عَبْدِي، وَإِذَا قَالَ: {مَالِكِ يَوْمِ الدِّينِ}، قَالَ: مَجَّدَنِي عَبْدِي، -وَقَالَ مَرَّةً: فَوَّضَ إِلَيَّ عَبْدِي-، فَإِذَا قَالَ: {إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ}، قَالَ: هَذَا بَيْنِي وَبَيْنَ عَبْدِي وَلِعَبْدِي مَا سَأَلَ، فَإِذَا قَالَ: {اهْدِنَا الصِّرَاطَ الْمُسْتَقِيمَ، صِرَاطَ الَّذِينَ أَنْعَمْتَ عَلَيْهِمْ غَيْرِ الْمَغْضُوبِ عَلَيْهِمْ وَلَا الضَّالِّينَ}، قَالَ: هَذَا لِعَبْدِي وَلِعَبْدِي مَا سَأَلَ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(125) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhuun dhaga'e: “Rabbiin ol ta'e akkana jedha: Anaa fi garbicha koo gidduutti salaata walakkaa lamatti qoode, Gabricha kootif immoo waan inni gaafateetu isaaf jira. Yeroo gabrichi jedhe: {Al-hamdu Lillaahi Rabbil Aalamiin}, jechuunis: Faaruun hundi kan Rabbii Gooftaa Aalamaati, jechuudha, Rabbiin ol ta'e ammoo akkana jedha: Garbichi koo Na faarse, Yeroo jedhe: {Arrahmaanirrahiim}, jechuunis: Akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa jechuudha, Rabbiin ol ta'ees ni jedha: gabrichi koo deddeebi'ee na faarse. Yeroo jedhe: {Maaliki yowmiddiin}, jechuunis: Mootii guyyaa mindaa jechuudha, Rabbiin ol ta'e ammoo akkana jedha: Garbichi koo na guddise, yemmuu tokko ammoo ni jedha:

Gabrichi koo waa'ee isaa natti hirkise. Yeroo jedhe: {Iyyaaaka na'abudu wa iyyaaka nasta'iin}, jechuunis: Sima qofa gabbarra sima qofaan gargaarsifanna jechuudha, Rabbiinis ni jedha: "Kuni anaa fi gabricha koo jidduu jira, wanti inni kadhate hundi gabricha kootif ni ta'a. yeroo gabrichi jedhe: {Ihdinassiraaxal Mustaqiim siraaxallaziina An amta Aleyhim geyril magduubi Aleyhim waladdaaliin}, jechuunis: Karaa qajeelaa irratti nu qajeelchi, karaa warra ati qananiiftee san nu qajeelchi, karaa warra irratti dheekkamameetii miti, akkasumas karaa warra jallataniitii miti jechuudha, Rabbinis ni jedha: Kuni gabricha kootiif, gabricha kootiif ammoo wanti inni kadhate ni tahaaf. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Rabbiin ol ta'e Hadiisa qudsii keessatti akka akkana jedhe himan: Salaata keessatti Anaa fi gabricha kiyya jidduutti suuraa Faatihaa walakkaa lamatti qoode, walakkaan tokko kan kooti, walakkaan biraa ammoo kan gabricha kootiti.

Walakkaan jalqabaa: faaruu, galateeffannaa fi Rabbiin guddisuudha, kana irratti mindaa hunda irra gaarii ta'een isa mindeessa.

Walakkaan lammaffaa: Kadhannaa fi of gadi qabuudha, Ani isaaf owwaadhee waan inni kadhate isaaf kenna.

Namichi salaatu yeroo jedhe: {Alhamdu Lillaahi Rabbil Aalamiin}, Rabbiin ammoo gabrichi koo na faarse jedha, yeroo (gabrichi) jedhe: {Arrahmaanirrahiim}, Rabbiinis ni jedha: "Gabrichi kiyya deddeebi'ee na faarse, akkasumas waliigala tola ooltummaa Ani uumama kootif godhettillee amane, yeroo gabrichi jedhe: {Maaliki Yowmiddiin}, Rabbiinis ni jedha:

Garbichi koo Na guddise, innis kabajaa guddaadha.

Yeroo gabrichi jedhe: {Iyyaaka na'abudu wa iyyaaka nasta'iin}, Rabbiinis akkana jedha: Kuni Anaa fi gabricha koo jidduutti ta'a.

Walakkaan inni jalqabaa Aayaa tana hanga ga'utti kan Rabbiiti, innis: (Sima qofa gabbarra) jechuudha, kunis gabbartii Rabbiif raggaasisanii Isa gabbaruudhaan owwannaa argamsiisuudha, isa kanaani walakkaan Rabbii xumurama.

Walakkaan lammaffaa Aayaa tana irraa kan garbichaati, innis: (Iyyaaka Nasta'iin), inni gargaarsa Rabbi irraa barbaaduudha, akkasumas Inni (Rabbiin) nu gargaaruuf waadaa nuuf galuu isaati.

Yeroo jedhe: {Ihdinassiraaxal Mustaqiim, siraaxallaziina An'amta Aleyhim, geyril Magduubi Aleyhim, Waladdaaliin}, Rabbinis ni jedha: Kun of gadi qabuu fi kadhannaa gabricha kiyyaati, gabricha kiyyaaf wanti inni gaafate hundi ni ta'a, kadhaa isaatifis deebii kenneera.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhimmi Faatihaa guddaa ta'uudha, kanaaf Rabbiin ol ta’e (salaata) jedhee isii moggaase.
2. Rabbiin Ol ta'e, garbicha isaatti dhimmamuu ibsuudha, sababa gabrichi Isa faarsee Isa guddiseef gabricha Isaa faarsee waan inni Isa kadhate hunda isaaf akka kennu waadaa isaaf gale.
3. Suuraan kabajamtuun tun:- Rabbiin faarsuu, guyyaa qiyaamaa yaadachuu, Rabbiin kadhachuu, ibaadaa Isa qofaaf qulqulleessuu, karaa qajeelaa irratti qajeelfama kadhachuu fi daandii sobaa irraa akeekkachiisuu of

keessatti hammatteerti.

4. Namni salaatu -yeroo Faatihaa qara'u- Hadiisa kana yaadachuun salaata keessatti khushuu'a isaaf dabala.

(65099)

(126) – عن بريدة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ الْعَهْدَ الَّذِي بَيْنَنَا وَبَيْنَهُمُ الصَّلَاةُ، فَمَنْ تَرَكَهَا فَقَدْ كَفَرَ». [صحيح] - [رواه الترمذي والنسائي وابن ماجه وأحمد]

(126) – Bureydaa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Kakuun jidduu nuu fi isaanii jiru salaata, namni isa dhiise dhugumatti kafare". [sirrii] - [Tirmizii, Nasaa'ii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- kakuun jidduu muslimootaa fi jidduu namoota biroo kaafirootaa fi munaafiqootaa salaata akka ta'ee fi namni isa dhiise dhugumatti akka kafaru ibsaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhimmi salaataa guddaa ta'uu fi salaanni garaagarummaa jidduu mu'uminaa fi jidduu kaafiratti jiru akka ta'eedha.
2. Murtiin Islaamaa keessoo nama tokkoo osoo hin taane haala alaatiin akka mirkanaa'uudha.

(65094)

(127) – عن جابرٍ رضي الله عنه قال: سمعتُ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «إِنَّ بَيْنَ الرَّجُلِ وَبَيْنَ الشِّرْكِ وَالْكُفْرِ تَرْكَ الصَّلَاةِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(127) – Jaabir irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhuun dhagahe: “Jidduu namichaatti fi jidduu shirkii fi kufritti salaata dhiisuutu jira”. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irratti haa jiraatu- salaata dirqamaa akka hin dhiisne akeekkachiisaniiru, akkasumas jidduu namichaati fi jidduu shirkii fi kufrii keessatti kufutti salaata dhiisuun akka jiru himan. Salaanni utubaa Islaamaa lammaffaadha, dhimmi isaas guddaadha, namni salaata salaatuun dirqamaa miti jechuudhaaf salaata dhiise walii galtee muslimtootatin kufrii keessa galee jira, dagannoo fi hifannaa irraa kan ka’een guutumatti yoo salaata dhiise inni kaafira ta’a, sana irratti walii galteen sahaabaa gabaafameera, yeroo tokko tokko dhiisee yeroo tokko tokko kan salaatu yoo ta'e ammoo inni sodaachisa hamaaf saaxilamadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa salaataa fi irratti tikfachuuti, sunis garaagarummaa jidduu kufrii fi iimaanaa akka ta'eedha.
2. Salaata dhiisuu fi miidhuu irraa akeekkachiisni cimaan akka jiruudha.

(65093)

(128) – عَنْ سَالِمِ بْنِ أَبِي الْجَعْدِ قَالَ: قَالَ رَجُلٌ: لَيْتَنِي صَلَّيْتُ فَاسْتَرَحْتُ، فَكَأَنَّهُمْ عَابُوا ذَلِكَ عَلَيْهِ، فَقَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «يَا بِلَالُ، أَقِمِ الصَّلَاةَ، أَرِحْنَا بِهَا». [صحيح] - [رواه أبو داود]

(128) – Saalim bin Abii Al-Ja'ad irraa odeeffamee, akkana jedhe: Namichi tokko akkana jedhe: osoon salaatee boqonnaa argadhee, akka waan namoonni waan kana isa irratti ceem'aniiti, ni jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhuun dhaga'e. “Yaa Bilaal, slaata dhaabi, salaataan hafuura nu baafachiisi". [sirrii] - [Abuu Daawuudtu gabaase]

Ibsaa:

Namichi sahaabaa tokko akkana jedhe: Osoon salaatee boqonnaa argadhee natti tola, akka waan warri naannoo isaa jiran isa komataniiti, ni jedhe: Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhuun dhaga'e: Yaa Bilaal! Akka salaatan boqannu Azaanii iqaamas godhi; Kunis Rabbi waliin maqachuu fi lubbuu fi qalbiidhaaf boqonnaa waan of keessaa qabuuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qalbiin boqonnaa argachuun salaataan argama; Sababni isaas, Rabbi waliin maqachuu waan of keessaa qabuuf jecha.
2. Warra ibaadaan itti ulfaatu balaaleffachuudha.
3. Namni dirqama isa irra jiru raawwatee, itti gaafatamummaa isaa bahe, boqonnaa fi miira tasgabbii argata.

(65095)

(129) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، إِذَا كَبَّرَ فِي الصَّلَاةِ، سَكَتَ هُنَيَّةً قَبْلَ أَنْ يَقْرَأَ، فَقُلْتُ: يَا رَسُولَ اللهِ بِأَبِي أَنْتَ وَأُمِّي أَرَأَيْتَ سُكُوتَكَ بَيْنَ التَّكْبِيرِ وَالْقِرَاءَةِ، مَا تَقُولُ؟ قَالَ «أَقُولُ: اللَّهُمَّ بَاعِدْ بَيْنِي وَبَيْنَ خَطَايَايَ كَمَا بَاعَدْتَ بَيْنَ الْمَشْرِقِ وَالْمَغْرِبِ، اللَّهُمَّ نَقِّنِي مِنْ خَطَايَايَ كَمَا يُنَقَّى الثَّوْبُ الْأَبْيَضُ مِنَ الدَّنَسِ، اللَّهُمَّ اغْسِلْنِي مِنْ خَطَايَايَ بِالثَّلْجِ وَالْمَاءِ وَالْبَرَدِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(129) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaatuf "Allaahu Akbar" jedhan osoo hin qara'in yeroo muraasaaf kan callisan waan ta'aniif, ani akkanan jedheeni: Yaa Ergamaa Rabbii haadha fi abbaan kiyya fidaa isiniif haa ta'anii takbiiraa fi qara'uu jidduutti maal jettu? Isaanis akkas jedhan: «Akkanan jedha: Allaahumma baa'id beynii wa beyna khaxaayaaya kamaa baa'adtta beynal mashriqi walmaghrib, Allaahumma naqqinii min khaxaayaaya kamaa yunnaqqaa assoobul abyadu minaddas, Allaahummaghsilnii min khaxaayaaya bissalji, wal maa'I, walbarad», jechuunis: Yaa Rabbi akkuma Bahaa fi Dhiha gargar fageessitetti anaa fi dilii koo gargar fageessi, Yaa Rabbi akkuma uffanni adiin xurii irraa qulqullaa'utti dilii koo irraa na qulqulleessi, Yaa Rabbi dilii koo irraa fixeensaan, bishaani fi cabbiin na dhiqi, jechuudha. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- salaataaf "Allaahu Akbar" yeroo jedhan, Faatihaa qara'uun duratti yeroo muraasa kan callisan ta'an, yeroo sanaan keessatti salaata isaanii du'aa'ii tokko tokkoon kan jalqaban yoo ta'u, du'aa'ii kana

keessaa inni tokko jecha isaanii kana: «Yaa Rabbi akkuma Bahaa fi Dhiha gargar fageessitetti anaa fi dilii koo gargar fageessi, Yaa Rabbi akkuma uffanni adiin xurii irraa qulqullaa'utti dilii koo irraa na qulqulleessi, Yaa Rabbi dilii koo irraa fixeensaan, bishaani fi cabbiin na dhiqi». Isaan Rabbii ol tahe jidduu isaani fi jidduu dilii isaanii haalaan akka gargar fageessu kadhatan, kunis adda fageenya irraa kan ka'een akkuma jidduu bahaa fi dhihaa walqunnamtiin hin jirretti, akka tasaa ta'ee dilii keessa kan bu'an yoo tahe, akkuma uffanni adiin xurii irraa qulqulleeffamutti dilii san irraa isaan akka isaan qulqulleessu fi wantoota qulqulleessan kan akka Bishaanii, fixeensaa fi cabbiidhatiin akka isaan dhiqu kadhatan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata sagalee ol qabatanii salaatan yoo ta'ellee du'aa'ii baniinsaa yeroo hunda sagalee gad qabatanii jechuun barbaachisaa tahuudha.
2. Sahaabonni, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, haala Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sochii isaanii hunda keessatti beekuuf bolola qabaachuu isaaniti.
3. Du'aa'ii baniinsa salaataa keessatti akkaataa hedduutu dhufeera, haa tahuu malee irra caalaan namichi du'aa'ii Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa mirkanaa'e hordofuu yoo ta'u, akkaataa tokko yeroo tokko, kan biraa ammoo yeroo biraa fayyadamuun barbaachisaa dha.

(3104)

(130) – عَن ابْنِ عُمَرَ رضي الله عنهما: أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَانَ يَرْفَعُ يَدَيْهِ حَذْوَ مَنْكِبَيْهِ إِذَا افْتَتَحَ الصَّلَاةَ، وَإِذَا كَبَّرَ لِلرُّكُوعِ، وَإِذَا رَفَعَ رَأْسَهُ مِنَ الرُّكُوعِ، رَفَعَهُمَا كَذَلِكَ أَيْضًا، وَقَالَ: «سَمِعَ اللَّهُ لِمَنْ حَمِدَهُ، رَبَّنَا وَلَكَ الحَمْدُ»، وَكَانَ لَا يَفْعَلُ ذَلِكَ فِي السُّجُودِ. [صحيح] - [متفق عليه]

(130) – Ibnu Umar irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaata jalqabuuf jedhan, yeroo jilba qabachuuf Allaahu Akbar jedhan qixxee ceekuu isaanii lamaanitti harka isaanii lamaan kan ol kaasan ta'an, akkasumas yeroo jilba qabachuu irraa mataa isaanii ol kaasan harka isaanii lamaan ol kaasanii, akkana jedhu ture: «Sami'allaahu Liman Hamidah, Rabbanaa walakal hamd», hiikkaan isaas Rabbiin nama Isa faarse dhagahe, yaa Rabbii keenya faaruun keeti jechuudha. Yeroo sujuuda godhan sana kan hin hojjenne ta'an. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaatan harka isaanii hanga sirrii ceekuu isaanitti bakkoolee sadii keessatti kan ol kaasan ta'an, ceekuun walitti qabama lafee gateettii fi irreeti.

Bakki tokkoffaa: Yeroo salaata takbiiraa hidhannaatiin jalqabaniidha.

Lammaffaan: Yeroo jilba qabachuuf Allaahu Akbar jedhani.

Sadaffaan: Yeroo jilba qabachuu irraa ol jedhanii akkas jedhaniidha:- Sami'allaahu Liman hamidah, Rabbanaa walakal

hamd.

Yeroo sujuuda jalqabuu fi yeroo irraa ol jedhu harka isaanii lamaan ol hin kaasan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ogummaalee salaata keessatti harka lamaan ol kaasuu keessaa tokko sun faaya salaataa fi Rabbiin -Inni qulqullaa'e- guddisuudha.
2. Akkuma gabaasa Abbaa Humeydii Assaa'idii kan Abii Daawuudii fi nama biroo bira jiru keessatti eddoo afraffaa keessatti harka isaanii lamaan ol kaasuun isaan irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhufeera, innis Salaata rak'aa sadii fi afurii keessatti yeroo Tashahhud jalqabaa irraa dhaabbataniidha.
3. Ammas yeroo harka isaanii lamaan ol kaasan osoo hin tuqne qixa gurra isaanii lamaanitti kan ol kaasan ta'uun isaanii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhufeera, sunis akka gabaasa Maalik bin Al-huweyris kan sahiiha lamaan keessa jiru keessa jirutti: «Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- yeroo Allaahu akbar harka isaanii lamaan qixa gurra isaanii lamaanitti kan ol kaasan ta'an».
4. Jidduu "sami'allaahu Liman hamidah" jechuu fi "Rabbanaa walakal hamd" jechuu walitti qabuun imaama fi nama kophaa salaatuufi. Namni imaama duubaan salaatu ammoo akkana jedha: "Rabbanaa walakal hamd".
5. Jechi erga jilba qabatanii ol jedhanii: "Rabbanaa lakal hamd" jedhu akkaataa afuriin Nabiyyii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- mirkanaa'ee jira. kun san irraa

tokkoodha, irra caalaan namichi akkaataa kanneen keessaa yeroo tokko kana yeroo kan biraa jechuun hordofuudha.

(3095)

(131) – عَنْ عُبَادَةَ بْنِ الصَّامِتِ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَا صَلَاةَ لِمَنْ لَمْ يَقْرَأْ بِفَاتِحَةِ الكِتَابِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(131) – Ubadaa bin Saamit irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Nama Faatihaa hin qara'iniif salaanni hin jiru". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- suuraa faatihaa qara'uun maletti salaanni akka fayyaa hin taane ibsan, isiin rak'aa hunda keessatti ruknii tokko kan ruknoowwan salaataa irraa ta'eedha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Faatihaa qara'uu osoo danda'uu, yoo dhiise wanti biraa irraa bakka bu'uu hin danda'u.
2. Beekkan dhiisus ykn wallaalaan ykn dagatee dhiisus rak'aan faatihaan keessatti hin qara'amin sirrii miti; sababni isaas isiin waan ruknii taatef jecha, ruknoowwan gonkuma hafuu hin danda'an.
3. Faatihaa qara'uun nama imaama hordofu irraa ni kufa, yoo imaamaa rukuu'a irra jiruu dhaqqabate.

(5378)

(132) – عن أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه: أَنَّهُ كَانَ يُكَبِّرُ فِي كُلِّ صَلَاةٍ مِنَ الْمَكْتُوبَةِ وَغَيْرِهَا، فِي رَمَضَانَ وَغَيْرِهِ، فَيُكَبِّرُ حِينَ يَقُومُ، ثُمَّ يُكَبِّرُ حِينَ يَرْكَعُ، ثُمَّ يَقُولُ: سَمِعَ اللهُ لِمَنْ حَمِدَهُ، ثُمَّ يَقُولُ: رَبَّنَا وَلَكَ الْحَمْدُ، قَبْلَ أَنْ يَسْجُدَ، ثُمَّ يَقُولُ: اللهُ أَكْبَرُ حِينَ يَهْوِي سَاجِدًا، ثُمَّ يُكَبِّرُ حِينَ يَرْفَعُ رَأْسَهُ مِنَ السُّجُودِ، ثُمَّ يُكَبِّرُ حِينَ يَسْجُدُ، ثُمَّ يُكَبِّرُ حِينَ يَرْفَعُ رَأْسَهُ مِنَ السُّجُودِ، ثُمَّ يُكَبِّرُ حِينَ يَقُومُ مِنَ الْجُلُوسِ فِي الِاثْنَتَيْنِ، وَيَفْعَلُ ذَلِكَ فِي كُلِّ رَكْعَةٍ، حَتَّى يَفْرُغَ مِنَ الصَّلَاةِ، ثُمَّ يَقُولُ حِينَ يَنْصَرِفُ: وَالَّذِي نَفْسِي بِيَدِهِ، إِنِّي لَأَقْرَبُكُمْ شَبَهًا بِصَلَاةِ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، إِنْ كَانَتْ هَذِهِ لَصَلَاتَهُ حَتَّى فَارَقَ الدُّنْيَا. [صحيح] - [متفق عليه]

(132) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Inni Salaata dirqamaa fi kan biroo hunda keessatti Allaahu Akbar kan jedhu ture, Ramadaanaa fi yeroo biraatis, yeroo dhaabbatu Allaahu Akbar jedha, ergasii yeroo jilba qabatus Allaahu Akbar jedha, ergasii Sami'allaahu Liman Hamidah jedha, jechuunis Rabbiin nama Isa faarsef dhagahe jechuudha, Ergasii osoo sujuuda hin godhin akkana jedha: Rabbanaa walakal Hamd, Jechuunis: Yaa Rabbii keenya ammas faaruun sima qofaafi jechuudha, Ergasii yeroo sujuudaf bu'u akkana jedha: Allaahu Akbar, Ergasii yeroo sujuuda irraa mataa isaa ol kaasu Allahu Akbar jedha, Ergasii yeroo sujuudu Allaahu Akbar jedha, ergasii yeroo sujuuda irraa mataa isaa ol kaasu Allaahu Akbar jedha, ergasii yeroo taa'insa raka'aa lamaa irraa ol ka'e Allaahu Akbar jedha, Hanga salaata xumurutti raka’aa hunda keessatti kana ni godha. Ergasii yeroo salaata xumuree irraa garagale akkana jedha: Isa lubbuun kiyya harka

Isaa keessa jirtuunan kakadha, ani salaata Ergamaa Rabbiitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- fakkeessuu keessatti irra dhihoo keessani, salaanni isaanii akkana ture hanga addunyaa tana gad dhiisanii deemanitti. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Abuu Hureyraan -Rabbiin irraa haa jaallatu- ibsa salaata Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- keessaa hanga tokko ni odeessa,Yeroo salaatuuf ka'u takbiiraa hidhannaa Allaahu Akbar akka jedhu ni hima, Ergasii yeroo jilba qabatuuf deemu, yeroo sujuuda godhu, yeroo sujuuda irraa ol jedhu, yeroo sujuuda lammaffaa godhu, yeroo irraa ol jedhuu fi salaata raka'aa sadii ykn afurii keessatti erga taa'insa tashahhuda duraatii raka'aa lamaan duraa irraa yeroo ol ka'u Allaahu Akbar ni jedha, salaata guutuu hanga xumurutti kana ni godha. Yeroo dugda isaa jilba qabachuu irraa ol kaasu akkana jedha: Sami'allaahu Liman Hamidah, jechuunis: Rabbiin nama isa faarsef dhagahe jechuudha, ergasii yeroo ol jedhee dhaabbatu akkana jedha: Rabbanaa waLakal Hamd, jechuunis: Yaa Gooftaa keenya ammas faaruun sima qofaafi, jechuudha.

Ergasii Abuu Hureyraan yeroo salaata xumuru akkana jedha: Isaa lubbuun kiyya harka Isaa keessa jirtuunan kakadha, ani salaata Ergamaa Rabbiitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- fakkeessuu keessatti irra dhihoo keessani, hanga addunyaa tana dhiisanii deemanitti kun akkaataa salaata isaanii ture.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Takbiiraan yeroo gadi jedhuu fi ol jedhu hundatti jedhamaadha. Yeroo Jilba qabachuu irraa ol jedhu malee,

Haala kana keessatti akkana jedha: Sami'allaahu Liman Hamidah, jechuunis: Rabbiin nama Isa faarsef dhaga'e jechuudha.

2. Sahaabaan Nabiyyiitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hidhachuu fi sunnaa isaanii eeguu keessatti bolola guddaa akka qabaniidha.

(65098)

(133) – عن ابنِ عَبَّاسٍ رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «أُمِرْتُ أَنْ أَسْجُدَ عَلَى سَبْعَةِ أَعْظُمٍ: عَلَى الْجَبْهَةِ وَأَشَارَ بِيَدِهِ عَلَى أَنْفِهِ، وَالْيَدَيْنِ، وَالرُّكْبَتَيْنِ، وَأَطْرَافِ الْقَدَمَيْنِ، وَلَا نَكْفِتَ الثِّيَابَ وَالشَّعَرَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(133) – Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: Humna torba irratti akkan sujuudu ajajameen jira: kallacha (adda) irratti, harka isaanitiin gara funyaan isaanii akeekan, akkasumas harka lameen, jilba lameeni fi fiixa miila lameenii irratti, uffataa fi rifeensa akka lafa hin tuqneef hin qabnu. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka Rabbiin humna qaamaa torba irratti sujuudutti isaan ajaje ibsan; isheenis:

Tokkoffaa: Kallacha (adda): isheenis kutaa fuulaa tan funyaani fi ija lameen gubbatti argamtuudha, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- harka isaanitiin gara funyaan isaanii akeekuun, kallachii fi funyaan

humna torban sana irraa humna tokko akka ta'an ibsan, namni sujuudu funyaan isaatiin lafa tuquudha qaba jechuu gad jabeessuuf jecha.

Humni lammaffaa fi sadaffaan: harka lameeni.

Afraffaa fi Shanaffaan: Jilba lameeni.

Jahaffaa fi Torbaffaan: qubbeen miila lameeniiti.

Yeroo dachii irratti sujuudnu akka lafa hin tuqne eeguudhaaf jecha rifeensa keenya ol qabachuu dhabuuttit fi uffata garii isaa garii irratti ol sassaabbachuu dhabuutti nu ajajaniiru, inumaayyuu humnoolee torban sanaan lafa tuquudhaan akka sujuuda gootuuf jecha isa gadi lakkisuudha qabna.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata keessatti qaama torban irratti sujuuduun dirqama tahuudha.
2. Yeroo sujuudaa uffataa fi rifeensa walitti sassaabbachuun jibbamaa tahuudha.
3. Nama salaataa jiru irratti humnoolee torban sujuudaa sana lafa irra kaa'uun hanga zikrii sujuuda keessatti karaa godhame jedhuutti tasgabbaa'uun dirqama tahuudha.
4. Yeroo sujuudaa rifeensa sassaabbachuu irraa dhoorguun dubartii osoo hin tahin dhiira qofaafi; sababni isaas dubartiin salaata keessatti haguuggatutti waan ajajamteef jecha.

(10925)

(134) – عن جَرِيْر بنِ عبدِ الله رضي الله عنه قال: كُنَّا عِنْدَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَنَظَرَ إِلَى الْقَمَرِ لَيْلَةً -يَعْنِي الْبَدْرَ- فَقَالَ: «إِنَّكُمْ سَتَرَوْنَ رَبَّكُمْ كَمَا تَرَوْنَ هَذَا

الْقَمَرَ، لَا تُضَامُونَ فِي رُؤْيَتِهِ، فَإِنِ اسْتَطَعْتُمْ أَنْ لَا تُغْلَبُوا عَلَى صَلَاةٍ قَبْلَ طُلُوعِ الشَّمْسِ وَقَبْلَ غُرُوبِهَا فَافْعَلُوا» ثُمَّ قَرَأَ: «{وَسَبِّحْ بِحَمْدِ رَبِّكَ قَبْلَ طُلُوعِ الشَّمْسِ وَقَبْلَ الْغُرُوبِ}»

[صحيح] - [متفق عليه]

(134) – Jariir bin Abdullaah irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bira turree, halkan tokko -isheen halkan kudha afraffaati- gara ji'aa ilaalanii, akkas jedhan: "Isin Gooftaa keessan akkuma ji'a kanaa argitaniitti arguuf teessan, Isa arguufis wal hin rakkiftan. Yoo salaata osoo aduun hin bahinii fi osoo hin lixinii irratti moo'atamuu dhabuu dandeessan, hojjadhaa, eegasii ni qara'an: "{Osoo aduun hin bahinii fi osoo aduun hin lixin Rabbii kee faarsuun wajjiin qulqulleessi}". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Sahaabonni halkan tokko Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waliin turan, isaan gara ji'aa -halkan kudha afraffaa- ilaalanii, akkana jedhan: Mu'umintoonni Rabbii isaanii arguu keessatti osoo waan biraatti hin fakkaatin, osoo ofii isaanitii wal hin rakkisin, osoo cinqii fi rakkoon tokko isaan hin mudatin arguuf taa'an. Eegasii Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: Sababoota salaata fajrii fi asrii irraa isin dhoorgan muruu yoo dandeessan hojjadhaa, isaan lameenuu guutuu haala ta'aniin yeroo isaanitittii fi jamaa'aa waliin salaataa, sun sababoota fuula Rabbii ol ta'ee ittiin ilaaltan keessaa isa tokkoodha. Eegasii Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Aayaa tana qara'an:- {Osoo aduun hin bahinii fi osoo

isheen hin lixin Rabbii kee faarsuun wajjiin qulqulleessi}.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rabbii ol ta'e jannata keessatti arguuf gammachuu warra iimaanaati.
2. Maloota da'awaa keessaa: jajjabeessuu, hawwisiisuu fi fakkeenya kennuudha.

(5657)

(135) – عن أَبِي مُوسَى الأَشْعَرِيِّ رضي الله عنه: أَنَّ رَسُولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «مَنْ صَلَّى الْبَرْدَيْنِ دَخَلَ الْجَنَّةَ» [صحيح] - [متفق عليه]

(135) – Abuu Muusaa Al-Ash'arii irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu-: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni salaata qorraa lamaan salaate Jannata seena». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- salaata yeroo qorraa lamaan, kan salaata subhii fi asrii ta'an irratti kakaasanii, nama haqa isaanii eegee, yeroo, jamaa'aa fi waan birootin isaan raawwate jannata seenuu keessatti sababaa akka isaaf ta'an isa gammachiisan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa salaata subhii fi asrii irratt tikfachuun qabuudha; sababni isaas salaanni subhii yeroo hirriibni namatti tolu keessatti waan dhufuuf jecha, salaanni Asrii immoo yeroo namni hojii isaa irratti bobba'u keessatti waan dhufuuf jecha, kanaaf namni salaata lamaan kana irratti tikfate salaata hafan irratti tikfachuun isaa salphaadha.

2. Salaanni Fajrii fi Asrii salaata qorraa jedhamanii wanni waamamaniif; Salaanni fajrii qorra halkanii waan qabuuf jecha, salaanni Asrii immoo qorra guyyaa waan qabuuf jecha, inni yeroo ho'aa keessa yoo ta'ellee yeroo isa duraa caalaa salphaadha, ykn kanaan waamamuun isaa tokko tokko irratti injifachiisuun ta'a, akkuma jedhamu: Qamaraani (baatii lamaan) aduu fi baatif.

(4198)

(136) – عن جُندب بن عبد الله القَسْرِي رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَنْ صَلَّى صَلَاةَ الصُّبْحِ فَهُوَ فِي ذِمَّةِ اللهِ، فَلَا يَطْلُبَنَّكُمُ اللهُ مِنْ ذِمَّتِهِ بِشَيْءٍ، فَإِنَّهُ مَنْ يَطْلُبْهُ مِنْ ذِمَّتِهِ بِشَيْءٍ يُدْرِكْهُ، ثُمَّ يَكُبَّهُ عَلَى وَجْهِهِ فِي نَارِ جَهَنَّمَ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(136) – Jundub ilma Abdullaah Al-qasrii irraa odeefamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu ni jedhan: "Salaata subhii namni salaate eegumsa Rabbii keessatti ta'a, Rabbiin eegumsa isaa irraa waa tokkoon isin hin barbaadin, namni Rabbiin eegumsa isaa irraa waa tokkoon isa barbaade dhugumatti isa qaqqaba, eegasii fuula isaatiin ibidda jahannam keessatti isa darbata". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni fajrii salaate eegumsa Rabbii, kunuunsa isaatiifi tika isaa keessatti akka ta'uu fi akka isa irraa deebisuu fi isaaf tumsu himani.

Eegasii -rahmannii fi nageenyi isaan irra haa jiraatu- salaata fajrii dhiisuunis haa ta'uu yookaan nama isii salaatu tuquu fi isa irratti daangaa darbuun waadaa kana diiguu fi balleessuu irraa sodaachisani, namni sana hojjate dhugumatti eegumsa kana diigee jira, kanaaf haqa Rabbii keessatti waan daangaa darbeef Rabbiin isa barbaaduun dinniina jabaa haqa godhatee jira, namni Rabbiin isa barbaade isa qaqqaba, eegasii immoo fuula isaatiin ibidda keessa isa buusa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa salaata fajriitii fi sadarkaa isii ibsuutu keessa jira.
2. Nama fajrii salaate nama hamtuun tuqu irratti sodaachisni jabaan dhufuu isaati.
3. Rabbiin nama gabroottan isaa gaggaarii tuqu irraa haaloo akka ba'uudha.

(5435)

(137) – عن أنس بن مالك رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ نَسِيَ صَلَاةً فَلْيُصَلِّ إِذَا ذَكَرَهَا، لَا كَفَّارَةَ لَهَا إِلَّا ذَلِكَ: {وَأَقِمِ الصَّلَاةَ لِذِكْرِي} [طه: 14]».

[صحيح] - [متفق عليه]

(137) – Anas bin Maalik irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: “Namni salaata tokko irraanfate yeroo isa yaadatetti haa salaatu, san malee bakka bu'aan isaaf hin jiru: {Salaata na yaadachuuf dhaabi} [Xaahaa: 14].” [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa rahmatni irra haa jiraatu- namni salaata waajibaa kamiyyuu hanga yeroon isaa darbutti raawwachuu irraanfate, yeroma isa yaadatetti ariifatee daddafee isa qadaa baasuu akka qabu ibsaniiru, Muslimni gaafa yaadatu yoo salaate malee dilii saniif dhiifamni ykn haqamni waan hin jirreef jecha. Rabbiin Qur'aana isaa kabajamaa keessatti akkas jedhe: {Salaata na yaadachuuf dhaabi} [Xaahaa: 14]". jechuunis: yeroo yaadattetti salaata dagatame raawwadhu jechuu dha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa salaataa ibsuudha, akkasumas isa raawwachuu fi bakka buusuu irratti dagannoon akka hin jirre hubachiisuudha.
2. rakkoo gahaa tokko malee itti yaadanii Salaata yeroo murtaa'e sani irraa tursiisuun akka hin hayyamamneedha.
3. Nama irraanfate irratti yeroo yaadatetti, akkasumas nama rafe irratti yeroo hirriibaa ka'etti salaata qadaa baasuun dirqama ta'uudha.
4. Osoo yeroo dhoorgame keessattillee ta'ee Salaatowwan hatattamaan qadaa baasuun dirqama ta'uudha.

(65088)

(138) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ أَثْقَلَ صَلَاةٍ عَلَى الْمُنَافِقِينَ صَلَاةُ الْعِشَاءِ وَصَلَاةُ الْفَجْرِ، وَلَوْ يَعْلَمُونَ مَا فِيهِمَا لَأَتَوْهُمَا وَلَوْ حَبْوًا، وَلَقَدْ هَمَمْتُ أَنْ آمُرَ بِالصَّلَاةِ فَتُقَامَ، ثُمَّ آمُرَ رَجُلًا فَيُصَلِّيَ بِالنَّاسِ، ثُمَّ أَنْطَلِقَ مَعِي بِرِجَالٍ مَعَهُمْ حُزَمٌ مِنْ حَطَبٍ إِلَى قَوْمٍ لَا يَشْهَدُونَ الصَّلَاةَ، فَأُحَرِّقَ عَلَيْهِمْ بُيُوتَهُمْ بِالنَّارِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(138) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Munaafiqoota irratti salaanni akkaan ulfaataa ta'e, salaata Ishaa'ii fi fajrii yoo ta'u, osoo waan isaan lamaan keessa jiru beekanii osoo shorrooqiinsalleen taatee isaan lamaan ni dhufu ture, salaanni akka dhaabbattuuf ajaja dabrsee, eegasii nama namoota salaachisu ajaja itti kennee, sana booda dhiirota isaanin waliin tuulaan qoraanii jiru waliin deemee namoota salaata jamaa'aa hin dhufne irratti manneen isaanii dhugumatti ibiddaan gubuu yaadeera". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irra haa jiraatu- waa'ee munaafiqootaa fi laafina isaan salaata irratti, keessattuu salaata lamaan Ishaa'ii fi Fajrii irratti qabanii fi mindaa jamaa'aa muslimootaa wajjiin isaan lamaan raawwachuu keessa jiru osoo beekanii, silaa harkaa fi jilbaan akka daa'imaatti shorroqanii isaan lamaan akka dhufan himan.

Salaata jamaa'aa ykn waloo masjiidatti salaatuu dhabuun balaa hamaa akka tahe ibsuudha. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irra haa jiraatu- salaanni akka gaggeeffamu ajajanii, nama bakka isaanii bu'ee ummataan salaatu muudanii, eegasii dhiirota muka qoraanii baatan waliin deemanii dhiirota salaata jamaa'aa hin dhufne irratti maneen isaanii ibiddaan gubuu dhugumatti yaadaniiru; hammeenya badii isaan raawwatan irraa kan ka'een, -garuu isaan akkas hin goone-; sababni isaas dubartootaa fi ijoolleen cubbuu hin qabne, akkasumas namoonni biroo kan uzrii (rakkoo) qabanii fi badii tokkollee hin qabne manneen keessa waan jiraniif jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata jamaa'aa ykn waloo masjiidatti salaatuu dhabuun balaa hamaa akka tahe ibsuudha.
2. Munaafiqonni ibaadaa isaanii keessatti nama agarsiifachuu fi dhageessifachuu malee yaada biraa waan hin qabneef, yeroo namoonni isaan argan malee gara salaataa hin dhufan.
3. Salaata Ishaa fi Fajrii jamaa'aa waliin salaatuun mindaa guddaa akka qabuu fi osoo shorroqiinsalleen ta'ee isaan lamaan dhufuun barbaachisaa akka ta'eedha.
4. Salaata Ishaa'ii fi Fajrii salaatuun munaafiqummaa irraa nagaa ta'uu agarsiisa, isaan lamaan irraa hafuun ammoo mallattoolee munaafiqootaa keessaa isa tokko.

(3366)

(139) – عَنِ ابْنِ أَبِي أَوْفَى رضي الله عنه قَالَ: كَانَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ إِذَا رَفَعَ ظَهْرَهُ مِنَ الرُّكُوعِ قَالَ: «سَمِعَ اللهُ لِمَنْ حَمِدَهُ، اللَّهُمَّ رَبَّنَا لَكَ الْحَمْدُ، مِلْءَ السَّمَاوَاتِ وَمِلْءَ الْأَرْضِ وَمِلْءَ مَا شِئْتَ مِنْ شَيْءٍ بَعْدُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(139) – Ibnu Abii Awfaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dugda isaanii rukuu'a irraa yeroo ol kaasan akkana kan jedhan ta'an: "Sami'allaahu Liman Hamidah, Allaahumma Rabbanaa lakal hamd Mil'assamaawaati wa mil'al ardi wa mil'a maa shi'ita min shey'in Ba'ad", jechuunis: Rabbiin nama Isa faarsef dhaga'e, Yaa Rabbii keenya faaruun siifi, faaruun samii fi dachii guutu, akkasumas eegasii wahirraa faaruun waan ati feete guutu siifi jechuudha. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dugda isaanii rukuu'a irraa yeroo ol kaasan akkana kan jedhan ta'an: "Sami'allaahu Liman Hamidah", jechuunis: Nama Rabbii ol tahe faarse Rabbiin isaaf owwaatee, faaruu isaa isaaf qeebalee irrattis isa mindeessa. Ergasii akkana jechuun Allaaha ni faarsu: "Allaahumma Rabbanaa lakal hamdu, Mil'assamaawaat wa mil'al ardi wa mil'a maa shi'it min shey'in Ba'ad", yaa Rabbii Gooftaa keenya! faaruun samii fi dachii guutu, akkasumas faaruun waan jidduu isaani jiru guutu, akkasumas faaruun wahirraa waan ati feete guutu keeti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni salaatu tokko yeroo Jilba qabachuu irraa mataa isaa ol kaase waan isa jechuun jaallatamu ibsuudha.
2. Erga jilba qabachuu irraa ol ka'anii tolchanii ol jechuu fi tasgabbiin karaa ta'uudha; Sababni isaas tasgabbaa'anii tasgabbiin yoo salaatan malee zikrii kana jechuun waan hin danda'amneef jecha.
3. Zikriin kuni salaata dirqamas ta'ee sunnaa hunda keessatti ni hayyamama.

(65101)

(140) – عن حُذَيْفَةَ رضي الله عنه: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَانَ يَقُولُ بَيْنَ السَّجْدَتَيْنِ: «رَبِّ اغْفِرْ لِي، رَبِّ اغْفِرْ لِي». [صحيح] - [رواه أبو داود والنسائي وابن ماجه وأحمد]

(140) – Huzeyfaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sujuuda lamaan jidduutti akkana jedhu ture: "Yaa Rabbii kiyya, naaf araarami,

yaa Rabbii kiyya, naaf araarami". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Nasaa'ii, Ibnu Maajaa fi Ahmad tu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo sujuuda lamaan jidduu taa'an akkana jechaa turan: Yaa Rabbii kiyya naaf araarami, yaa Rabbii kiyya, naaf araarami, irra deebi'anii jedhani.

Hiikni "Yaa Rabbii kiyya naaf araaramii: gabrichi cubbuu isaa haqee badii akka isaaf haguuguuf Rabbii isaa gaafachuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata dirqamaa fi salaata sunnaa keessatti sujuuda lamaan jidduutti du'aa'ii kana jechuun karaa ta'uudha.
2. Jecha: "Yaa Rabbii kiyya naaf araarami" jedhu irra deddeebi'anii jechuun jaallatamaa ta'uudha, dirqamni yeroo tokko qofa jechuudha.

(65104)

(141) – عَنْ حِطَّانَ بْنِ عَبْدِ اللهِ الرَّقَاشِيِّ قَالَ: صَلَّيْتُ مَعَ أَبِي مُوسَى الْأَشْعَرِيِّ صَلَاةً، فَلَمَّا كَانَ عِنْدَ الْقَعْدَةِ قَالَ رَجُلٌ مِنَ الْقَوْمِ: أُقِرَّتِ الصَّلَاةُ بِالْبِرِّ وَالزَّكَاةِ، قَالَ: فَلَمَّا قَضَى أَبُو مُوسَى الصَّلَاةَ وَسَلَّمَ انْصَرَفَ فَقَالَ: أَيُّكُمُ الْقَائِلُ كَلِمَةَ كَذَا وَكَذَا؟ قَالَ: فَأَرَمَّ الْقَوْمُ، ثُمَّ قَالَ: أَيُّكُمُ الْقَائِلُ كَلِمَةَ كَذَا وَكَذَا؟ فَأَرَمَّ الْقَوْمُ، فَقَالَ: لَعَلَّكَ يَا حِطَّانُ قُلْتَهَا؟ قَالَ: مَا قُلْتُهَا، وَلَقَدْ رَهِبْتُ أَنْ تَبْكَعَنِي بِهَا، فَقَالَ رَجُلٌ مِنَ الْقَوْمِ: أَنَا قُلْتُهَا، وَلَمْ أُرِدْ بِهَا إِلَّا الْخَيْرَ، فَقَالَ أَبُو مُوسَى: أَمَا تَعْلَمُونَ كَيْفَ تَقُولُونَ فِي صَلَاتِكُمْ؟ إِنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ خَطَبَنَا فَبَيَّنَ لَنَا سُنَّتَنَا وَعَلَّمَنَا صَلَاتَنَا، فَقَالَ: «إِذَا صَلَّيْتُمْ فَأَقِيمُوا صُفُوفَكُمْ، ثُمَّ

لِيَؤُمَّكُمْ أَحَدُكُمْ فَإِذَا كَبَّرَ فَكَبِّرُوا، وَإِذْ قَالَ: {غَيْرِ الْمَغْضُوبِ عَلَيْهِمْ وَلَا الضَّالِّينَ} [الفاتحة: 7]، فَقُولُوا: آمِينَ، يُجِبْكُمُ اللهُ، فَإِذَا كَبَّرَ وَرَكَعَ فَكَبِّرُوا وَارْكَعُوا، فَإِنَّ الْإِمَامَ يَرْكَعُ قَبْلَكُمْ، وَيَرْفَعُ قَبْلَكُمْ»، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «فَتِلْكَ بِتِلْكَ، وَإِذَا قَالَ: سَمِعَ اللهُ لِمَنْ حَمِدَهُ، فَقُولُوا: اللَّهُمَّ رَبَّنَا لَكَ الْحَمْدُ، يَسْمَعِ اللهُ لَكُمْ، فَإِنَّ اللهَ تَبَارَكَ وَتَعَالَى قَالَ عَلَى لِسَانِ نَبِيِّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: سَمِعَ اللهُ لِمَنْ حَمِدَهُ، وَإِذَا كَبَّرَ وَسَجَدَ فَكَبِّرُوا وَاسْجُدُوا، فَإِنَّ الْإِمَامَ يَسْجُدُ قَبْلَكُمْ وَيَرْفَعُ قَبْلَكُمْ»، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «فَتِلْكَ بِتِلْكَ، وَإِذَا كَانَ عِنْدَ الْقَعْدَةِ فَلْيَكُنْ مِنْ أَوَّلِ قَوْلِ أَحَدِكُمْ: التَّحِيَّاتُ الطَّيِّبَاتُ الصَّلَوَاتُ لِلهِ، السَّلَامُ عَلَيْكَ أَيُّهَا النَّبِيُّ وَرَحْمَةُ اللهِ وَبَرَكَاتُهُ، السَّلَامُ عَلَيْنَا وَعَلَى عِبَادِ اللهِ الصَّالِحِينَ، أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(141) – Hixxaan bin Abdullaah Al-Raqqaashii irraa odeeffamee, akkas jedhe: Abuu Muusaa Al-ash'arii wajjin salaata tokko salaatee ture, yeroo inni taa'u Namichi tokko ummata keessaa akkana jedhe: Salaanni qajeelummaa fi zakaan wal bira qabamee ilaalame, ni jedhe: Abu Muusaan yeroo salaata xumure garagalee akkas jedhe: Eenyuu keessaniitu jecha akkanaa fi akkasii dubbate? ni jedhe: ummanni ni callise, innis eegasii akkas jedhe: Eenyuu kaassaniitu jecha akkanaa akkasii dubbate? ni jedhe: ummanni ni callise, innis akkas jedhe: Yaa Hixxaan ati akkas jechuu hin ooltu? ni jedhe: ani akkas hin jenne, dhugumatti ittiin na yakkita jedhee sodaadheera, Ummata keessaa namichi tokko akkas jedhe: Anaatu akkas jedhe, toltuuf malee wahiifuu hin jenne, Abuu Muusaan akkas

jedhe: Salaata keessan keessatti maal akka jettan hin beektanii? Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- nu gorsanii sunnaa keenya nuuf ibsanii salaata keenyas nu barsiisan, akkas jedhan: "Yeroo salaattan tarree keessan qajeelchaa, eegasii tokkoon keessan imaama isiniif haa ta'u, yeroo inni Allaahu Akbar jedhe isinis Allaahu Akbar jedhaa, Yeroo inni akkana jedhe: {Gheyril magduubi Aleyhim waladdaalliin} [Faatihaa: 7], isin ammoo akkana jedhaa: Aamiin, Rabbiin isiniif owwaataa, Yeroo inni Allaahu Akbar jedhee jilba qabate isinis Allaahu akbar jedhaa jilba qabadhaa, Imaamni isin dura jilba qabatee, isin duras ol jedha", Ergamaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni jedhan: "suni saniini, yeroo inni akkana jedhe: Sami'allaahu liman hamidah, jechuunis: Rabbiin nama isa faarse dhagahe jechuudha, isin akkana jedhaa: Allaahumma Rabbanaa lakal hamd, jechuunis: Yaa Rabbii, Gooftaa keenya Galanni Siif haa ta'u" jechuudha. Rabbiin isiniif ni dhagaha, Rabbiin ol tahe, arraba Nabiyyii Isaatiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni jedhe: Rabbiin nama Isa faarsef dhagahe, yeroo inni Allaahu Akbar jedhee sujuuda bu'e isinis Allaahu Akbar jedhaa sujuuda bu'aa! Imaamni isin dura sujuuda bu'ee, isin duras ol jedha, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni jedhan: "suni saniini, yeroo taa'uu bira gahe, jalqaba waan tokkoon keessan jedhu irraa haa ta'u: Attahiyyaatu, Axxayyibaatu, Assalawaatu Lillaah, Assalaamu aleyka ayyuhannabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuh, assalaamu aleynaa wa alaa ibaadillaahissaalihiin, Ash-hadu an laa ilaaha illallaah, wa Ash-hadu anna muhammadan abduhuu wa rasuuluh, jechuunis: kabajoowwan, wanti gaggaarii fi salaatoowwan Rabbiifi, yaa

nabiyyii, nageenyi si irra haa jiraatu, akkasumas rahmanni Rabbii fi barakaan Isaa si irra haa jiraatu, nageenyi nuu fi gabroota Rabbii gaggaari irras haa jiraatu, Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaa baha, Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uus ragaa ba'a" jechuudha. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Sahaabichi Abuu Muusaa Al-Ash'arii -Rabbiin irraa haa jaallatu- salaata tokko salaatee, Yeroo taa'insa isa keessa tashahhudni jiru gahe, Namichi warra isa duubaan salaataa jiru irraa ta'e tokko akkana jedhe: Qur'aana keessatti salaanni toltuu fi zakaan walitti qindeeffamte. Abuu Muusaa -Rabbi irraa haa jaallatu- yeroo salaata xumure gara namoota duubaan salaatanitti garagalee akkana jedhee isaan gaafate: Eenyuu keessaniitu jecha kana jedhe: Qur'aana keessatti salaanni toltuu fi zakaan walitti qindeeffamte?! ummanni ni callise, isaan irraa namni tokkos hin dubbanne, Gaaffii sana irra deebi'ee gaafate, namni tokkolleen isaaf deebisuu dhabnaan, Abuu Muusaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Yaa Hixxaan tarii sumaatu akkas jedhe! ija jabaatuu isaatif jecha, akkasumas itti dhiheenya fi walitti dhufinsa isaan wajjiin qabuuf jecha, sanaan isa shakkiin waan isa miidhu hin qabu, akkasumas Nama dhugatti akkas jedhe dhugaa akka himu dhiibuuf jecha, Hixxaan garuu haalee, akkana jedhe: Ani waanan jedhe sitti fakkaatee na qeeqta jedheen sodaadhe, asitti eegaa ummata keessaa namichi tokko akkas jedhe: anaatu akkas jedhe, garuu kheyrii maleef hin jenne, Abuu Muusaan isa barsiisuf jecha akkana jedhe: Salaata keessan keessatti akkam akka jettan hin beektanii?! kunis jecha isaa san balaaleffatuufi,

Sana booda Abuu Muusaan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo tokko isaan akka gorsanii, seera shari'aa akka isaanif ibsanii, salaata isaan barsiisan itti hime, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Yeroo salaattan tarree keessan qajeelchaa, sirrayaa dhaabbadhaa, sana booda namoota keessaa namni tokko imaama isaanif ta'a, yeroo imaamni takbiira hidhannaa jedhe, isinis akkuma inni jedhe jedhaa, suuraa Faatihaa yeroo qara'ee as gahe: {Gheyril magduubi Aleyhim waladdaalliin} jechuunis: karaa warra irratti dallansuun godhamee fi warra jallatanii, kan hin tahin, jechuudha, [Faatihaa: 7], isin aamiin jedhaa,Yeroo akkas gootan Rabbiin kadhaa keessan isiniif owwaata, Yoo takbiira jedhee jilba qabate isinis jedhaa jilba qabadhaa, imaamni isin dura jilba qabatee, isin duras irraa ol jedha, isin isa hin dursinaa, Yeroon muraasni imaamni isa keessatti gara Rukuu'atti isin dursu sun Rukuu'a keessatti eega inni ol jedhee yeroo muraasa isa booda turuu keessaniini isiniif qobbama, kanaaf yeroon sun yeroo saniin wajjiin tokko ta'a, kana jechuun Yeroon jilba qabachuu keessanii fi isaa tokkuma jechuudha, yeroo imaamni sami'allaahu liman hamidah jedhe, isin akkana jedhaa: Allaahumma Rabbanaa lakal hamd, yeroo warri salaataa jiru akkas jedhan Rabbiin qulqullaa'e kadhannaa isaanitii fi jecha isaanii ni dhagaha, Rabbiin ol ta'e arraba Nabiyyii Isaa irratti akkana jedhe: Rabbiin nama Isa faarsef dhagahe. yeroo imaamni Allaahu Akbar jedhee sujuuda bu'e warri isa duubaan salaataa jiranis Allaahu Akbar jedhanii sujuuda bu'u qabu, imaamni isaan dura sujuuda bu'ee, isaan dura ol jedha, yeroon muraasni sun yeroo muraasa saniin wajjiin tokko ta'a, kanaani yeroon sujuuda ma'amuumatii fi yeroon sujuuda imaamaa

tokko ta'a, yeroo imaamni tashahhudaf taa'uu bira gahe jalqabni waan namichi salaataa jiru jedhuu akkana jechuu haa ta'u: "Attahiyyaatu, axxayyibaatu, assalawaatu Lillaah" jechuunis: Kabajoowwanii fi wantoonni gaggaariin hundinuu Rabbiifi, akkasumas salaanni shanan hunduu Rabbiifi jechuudha, "Assalaamu aleyka ayyuhannabiyyu wa rahmatullaahi wa barakaatuh, assalaamu aleynaa wa alaa ibaadillaahissaalihiin" jechuunis: Salaamni sirra haa jiraatu Yaa Nabiyyicha, akkasumas rahmanni Rabbii fi barakaan Isaa sirra haa jiraatu, salaamni nuu fi gabroota Rabbii gaggaarii irra haa jiraatu jechuudha, mudaa, rakkina, hanqinaa fi manca'iinsa hunda irraa nagaa ta'uu Rabbiin kadhadhaa, Keessattuu Nabiyyii keenya Muhammadiin salaaman adda baafnee, ergasii of irratti nagaa buufna, ergasii gabroota Rabbii gaggaarii warra haqa Rabbii ol ta'ee fi haqa gabroota Isaa irraa waan dirqama isaanii ba'an irratti salaamata buufna, ergasii haqaan gabbaramaan Rabbiin malee akka hin jirree fi Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa akka ta'an ragaa baana.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Bifa tashahhudaa keessaa tokko ibsuudha.
2. Gochoonni fi jechoonni salaataa waan Nabiyyii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- mirkanaa'e irraa ta'uu qabaadha, salaata keessatti jecha ykn gocha sunnaa keessatti hin mirkanaa'in haaraa fiduun nama tokkolleef hin danda'amu.
3. Salaata keessatti imaama waliin dorgomuu fi duubatti hafuun akka hin danda'amneedha, nama imaama duuban salaatuf inni hayyamamu gochoota isaa keessatti imaama

hordofuudha.

4. Diin geessuu fi ummata isaanii shari'aa barsiisuu keessatti yaaddoo irraa waan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irra turan dubbachuudha.
5. Imaamni nama isa duubaan salaatuuf fakkeenya ta'a, kanaaf gochoota salaataa keessatti isaan dorgomuun, isa waliin deemuu fi isa irraa duubatti hafuun isaaf hin danda'amu, inumaayyuu gocha inni raawwachuu barbaadu keessa seenuu isaa, erga mirkaneeffatee booda isa hordofuu jalqaba, akkasumas sunnaan salaata keessatti isa hordofuu dha.
6. Salaata keessatti tarree galuun karaa ta'uudha.

(65097)

(142) – عَنِ ابْنَ مَسْعُودٍ رضي الله عنه قَالَ: عَلَّمَنِي رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، وَكَفِّي بَيْنَ كَفَّيْهِ، التَّشَهُّدَ، كَمَا يُعَلِّمُنِي السُّورَةَ مِنَ القُرْآنِ: «التَّحِيَّاتُ لِلَّهِ، وَالصَّلَوَاتُ وَالطَّيِّبَاتُ، السَّلاَمُ عَلَيْكَ أَيُّهَا النَّبِيُّ وَرَحْمَةُ اللَّهِ وَبَرَكَاتُهُ، السَّلاَمُ عَلَيْنَا وَعَلَى عِبَادِ اللَّهِ الصَّالِحِينَ، أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ، وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ». وفي لفظ لهما: «إِنَّ اللهَ هُوَ السَّلَامُ، فَإِذَا قَعَدَ أَحَدُكُمْ فِي الصَّلَاةِ فَلْيَقُلْ: التَّحِيَّاتُ لِلَّهِ وَالصَّلَوَاتُ وَالطَّيِّبَاتُ السَّلَامُ عَلَيْكَ أَيُّهَا النَّبِيُّ وَرَحْمَةُ اللهِ وَبَرَكَاتُهُ، السَّلَامُ عَلَيْنَا وَعَلَى عِبَادِ اللهِ الصَّالِحِينَ، فَإِذَا قَالَهَا أَصَابَتْ كُلَّ عَبْدٍ لِلَّهِ صَالِحٍ فِي السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ، أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ، ثُمَّ يَتَخَيَّرُ مِنَ الْمَسْأَلَةِ مَا شَاءَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(143) – Ibnu Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- shanachi koo shanacha isaanii

lameen giddutti haala ta'een akka suuraa Qur'aana irraa taate na barsiisanitti Tashahhuda(Attahiyyaata) na barsiisan: "Attahiyyaatu lillaahi, wassalawaatu waxxayyibaatu. assalaamu alayka ayyuhannabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuh. assalaamu aleynaa wa alaa ibaadillaahissaalihiin. Ash-hadu an laa ilaaha illallaahu wa ash-hadu anna Muhammadan abduhuu wa Rasuuluh" hiikkaan 'Kabajowwan Rabbiifi, akkasumas salaatowwanii fi wantoonni gaggaariin Isumaafi, Nageenyi sirratti haa jiraatu yaa Nabiyyichana, akkasumas rahmanni Rabbiiti fi barakaan Isaa sirratti haa jiraatu, nuu fi gabroota Rabbii kan gaggaarii ta'an irrattis nageenyi haa jiraatu, Rabbiin malee haqaan gabbaramaan akka hin jirree fi Muhammad akka gabricha Isaati fi ergamaa Isaa ta'an ragaa nan baha". Gabaasa biraa kan Bukhaarii fi Muslim keessatti: "Rabbiin nagaadha, nagaas kennaadha, kanaafuu tokkoon keessan yeroo salaata keessatti tashahhudaaf taa'e akkana haa jedhu: Kabajowwan Rabbiifi, akkasumas salaatowwanii fi wantoonni gaggaariin Isumaafi, Nageenyi sirratti haa jiraatu yaa Nabiyyichana, akkasumas rahmanni Rabbiiti fi barkaan Isaa sirratti haa jiraatu, nuu fi gabroota Rabbii kan gaggaarii ta'an irrattis nageenyi haa jiraatu -yeroo jechoota kana jedhetti samii fi dachii keessatti hunda gabricha Rabbii kan gaarii ta'eef ni geessi- Rabbiin malee haqaan gabbaramaan akka hin jirree fi Muhammad akka gabricha Isaati fi ergamaa Isaa ta'an ragaa nan baha. Eegasii du'aa'ii irraa waan barbaade filata". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa

buusu- Ibnu Mas'uudin -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkuma suuraa Qur'aana irraa taate isa barsiisanitti Tashahhuda salaata keessatti jedhamu xiyyeeffannoo ibnu Mas'uud garas deebisuuf jecha haala dhugumatti harka isaa harka isaanii lameen keessatti godheen barsiisan, kun jechaa fi hiika tashahhuda kanatti yaaddawuu Nabiyyiiti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama agarsiisa. Akkas jedhan: "Kabajowwan Rabbiifi": Isiin hunduma jecha ykn gocha kabajaa irratti nama qajeelchuu yoo taatu, hundummaan isiituu Rabbii ol ta'eef haqa godhamtuudha. " Salawaanni": Isiin salaata beekamtuu yoo taatu, waajbni isiiti fi sunnaan isiitis Rabbii ol ta'eefi.

“Wantoonni gaggaariin”: Isiin jechoota, gochoota fi haalowwan gaggaarii ta'an kan guutummina irratti nama qajeelchan yoo taatu, hundummaan isiituu Rabbii ol ta'eef haqa godhamtuudha. "Yaa Nabiyyichana! Nageenyi sirratti haa jiraatu, akkasumas rahmanni Rabbiiti fi barakaan Isaa sirratti haa jiraatu" jdchuun: Hunduma Rakkinaati fi waan jibbamaa ta'e irra nagaa ta'uu fi kheyrii hunda irraa dabalachuu isaanif kadhachuudha. "Nageenyi nuu fi gabroota Rabbii gaggaarii irratti haa jiraatu" jechuun: Namni salaatu tokko ofii isaati fi samii fi dachii keessatti hunda gabricha gaarii ta'eef nagaa kadhachuudha. "Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaa baha": Kana jechuun Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirre cimsee ragaa baha. “Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta’uu ragaa baha”: Rabbiif gabra ta'uu isaanitii fi ergaa xumuraatin akka ergaman nan raggaasisa.

Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kadhannaa irraa waan barbaade filachuu irratti nama salaatu kakaasan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Eddoon tashahhuda kanaa salaata hunda keessatti booda sujuuda dhumaati fi salaata rak'aa sadii fi afurii keessatti booda rak'aa lammaffaatiidha.
2. Tashahhuda keessatti Attahiyyaanni dirqama ta'uudha, jechoota tashahhuda kan Nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mirkanaa'an keessaa kan barbaade filatee qara'uu ni danda'a.
3. Dilii waan hin tahiniin salaata keessatti waan barbaadaniin du'aa'ii godhachuun ni danda'amaadha.
4. Du'aa'ii yeroo godhatan lubbuu ofiitiin eegaluun sunnaa ta'uudha.

(3096)

(143) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: كَانَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَدْعُو وَيَقُولُ: «اللَّهُمَّ إِنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنْ عَذَابِ القَبْرِ، وَمِنْ عَذَابِ النَّارِ، وَمِنْ فِتْنَةِ المَحْيَا وَالمَمَاتِ، وَمِنْ فِتْنَةِ المَسِيحِ الدَّجَّالِ».

وفِي لَفْظٍ لِمُسْلِمٍ: «إِذَا فَرَغَ أَحَدُكُمْ مِنَ التَّشَهُّدِ الْآخِرِ، فَلْيَتَعَوَّذْ بِاللهِ مِنْ أَرْبَعٍ: مِنْ عَذَابِ جَهَنَّمَ، وَمِنْ عَذَابِ الْقَبْرِ، وَمِنْ فِتْنَةِ الْمَحْيَا وَالْمَمَاتِ، وَمِنْ شَرِّ الْمَسِيحِ الدَّجَّالِ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(143) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhanii kadhataa turan: "Yaa Rabbi! azaaba qabrii, gidira ibiddaa, rakkina jireenyaa, rakkina du'aati fi qorumsa masiih addajjaal irraahiin sitti maganfadha". jecha biroo kan Muslim gabaase keessatti:

"Tokkoon keessan tashahhuda yeroo xumuretti (tashahhuda xumuree osoo salaamtaa hin jenne jechuudha) waan afur irraa Rabbitti haa maganfatu: Adabbii Jahannam, adabbii qabrii, rakkina jireenyaa, rakkina du'aati fi qorumsa masiih addajjaal irraa". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata keessatti tashahhuda xumuraa boodaa fi salaamtaa duratti waa afur irraa kan Rabbitti majanfatan ta'an, akkasumas

wantoota afran san irraa Rabbitti majanfatutti nu ajajan,

Tokkoffaan: Azaaba qabrii irraayi.

Lammaffaan: Azaaba ibiddaa irraayi, sun immoo guyyaa qiyaamatti.

Sadaffaan: Rakkina jireenyaa kan akka fedhiiwwan addunyaa tan haraamatii fi shakkiilee ishee kan nama jallisan irraa majanfachuudha, akkasumas Rakkina du'aa kan yeroo duuti namatti dhufee irraa majanfachuudha, sun akka Islaamummaa yookaan sunnaa irraa jallachuuti, yookaan rakkina qabrii kan akka gaaffii Nakiiri fi Munkariiti.

Afraffaan: Qorumsa masiih addajjaal kan dhuma addunyaa keessatti bahee Rabbiin isaan gabroota Isaa mokkoruudha, addatti wanni isa dubbataniif waan qormaanni isaatii fi jallisiinsi isaa guddaa ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Majanfannaan kun du'aa'iiwwan akkaan barbaachisoo ta'an kan of keessatti waan hedduu qabatan keessaa isa tokkoodha, sababni isaas waan rakkinoowwan Addunyaa

fi Aakhiraa irraa majanfachuu hammateef jecha.
2. Azaabni qabrii mirkanaa'uu fi dhugaa ta'uudha.
3. Fitnaan balaa guddaa qabaachuu fi isirraa nagaa ta'uuf Rabbiin gargaarsichuu fi du'aa'ii godhachuun barbaachisaa ta'uudha.
4. Xumura addunyatti bahiinsa Dajjaal raggaasisuu fi mokkorri isaa guddaa ta'uu ibsuudha.
5. Du'aa'iin kun booda tashahhuda xumuraatti barbaachisaa ta'uudha.
6. Booda hojii gaariitii du'aa'ii godhachuun barbaachisaa ta'uudha.

(3103)

(144) – عَنْ مَعْدَانَ بْنِ أَبِي طَلْحَةَ الْيَعْمَرِيِّ قَالَ: لَقِيتُ ثَوْبَانَ مَوْلَى رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَقُلْتُ: أَخْبِرْنِي بِعَمَلٍ أَعْمَلُهُ يُدْخِلُنِي اللهُ بِهِ الْجَنَّةَ؟ أَوْ قَالَ قُلْتُ: بِأَحَبِّ الْأَعْمَالِ إِلَى اللهِ، فَسَكَتَ. ثُمَّ سَأَلْتُهُ فَسَكَتَ. ثُمَّ سَأَلْتُهُ الثَّالِثَةَ فَقَالَ: سَأَلْتُ عَنْ ذَلِكَ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَقَالَ: «عَلَيْكَ بِكَثْرَةِ السُّجُودِ لِلَّهِ، فَإِنَّكَ لَا تَسْجُدُ لِلَّهِ سَجْدَةً، إِلَّا رَفَعَكَ اللهُ بِهَا دَرَجَةً، وَحَطَّ عَنْكَ بِهَا خَطِيئَةً» قَالَ مَعْدَانُ: ثُمَّ لَقِيتُ أَبَا الدَّرْدَاءِ فَسَأَلْتُهُ فَقَالَ لِي: مِثْلَ مَا قَالَ لِي: ثَوْبَانُ. [صحيح] - [رواه مسلم]

(144) – Ma'adaan bin Abii Xalhaa Al-Ya'amarii irraa odeeffamee akkana jedhe: Sowbaan bilisa bahaa Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan ta'e qunnameen, akkas jedheen: Dalagaa sababaa isaatin Rabbiin jannata na seensisu naaf himi? ykn akkas jedhe: nan jedhe: Dalagaa gara Rabbiitti irra jaallatamu naaf himi, ni cal'ise, eegasii isa nan gaafadhe, ammas ni cal'ise, eegasii sadaffaa isa nan gaafadhe,

akkas jedhe: Yeroo baay’ee sana Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaafadhee, akkas jedhan: «Rabbiif sujuuda heddummeessi, sababni isaas Rabbiif jecha ati sujuuda hin gootu sababii saniif sadarkaa si ol kaasee, dilii si irraa buusu malee» Ma'adaan akkas jedhe: Eegasii Abuu Addardaa'iin qunnameen isa gaafadhee, fakkaatuma Sowbaan naan jedhe naan jedhe. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hojii jannata seenuf sababaa namaaf ta'u irraa fagaafatamanii ykn hojii Rabbiin biratti baay’ee jaallatamaa ta’e irraa gaafatamanii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaafataan akkana jedhan: "Salaata keessatti yeroo baay’ee sujuuda gochuu qabadhu, sababni isaas ati sujuuda tokko Rabbiif jecha hin sujuuddu Rabbiin sababaa sanaan sadarkaa kee ol kaasee, dilii kee siif araaramu malee.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sujuudni waan keessa jiruuf, Muslimni salaata dirqamaa fi sunnaatti akka cimu kakaasuudha.
2. Jannata seenuun -booda rahmata Rabbiitii- hojiidhaan malee akka hin argamne sahaabonni akka cimsanii beekan ibsuudha.
3. Salaata keessatti sujuuda gochuun irra guddaa sababoota sadarkaaleen ittiin ol ka'uuti fi diliiwwan namaaf dhiifaman irraayi.

(3732)

(145) – عن عَائِشَةَ رضيَ الله عنها قالت: إِنِّي سمعْتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «لَا صَلَاةَ بِحَضْرَةِ الطَّعَامِ، وَلَا هُوَ يُدَافِعُهُ الْأَخْبَثَانِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(145) – Āa'ishaa irraa akka gabaafametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jette: Ergamaan Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhuun dhagahe: "Nyaanni bakka jirutti salaatni hin jiru, akkasumas yeroo namichi fokkatoo lamaanin wal deddeebisu keessattis salaatni sirrii hin ta'u". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bakka nyaata lubbuun nama salaatuu sanaa hawwituu fi qalbiin isaa itti rarra'utti salaatuu dhoorgan.

Akkasumas yeroo fokkatoo lamaanin waliin dhiphatu keessatti salaatuu irraa dhoorganiiru, -fokkatoon lamaanis fincaanii fi sagaraadha-; sababni isaas waan inni rakkina ofirraa ittisutti bobba'uuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni salaatu salaata isaatti osoo hin seenin dura wanta salaata isaa keessatti isa dhiphisu hunda ofirraa fageessuudha qaba.

(3088)

(146) – عن عُثْمَانَ بْنَ أَبِي الْعَاصِ رضي الله عنه: أنه أَتَى النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فَقَالَ: يَا رَسُولَ اللهِ، إِنَّ الشَّيْطَانَ قَدْ حَالَ بَيْنِي وَبَيْنَ صَلَاتِي وَقِرَاءَتِي يَلْبِسُهَا عَلَيَّ، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «ذَاكَ شَيْطَانٌ يُقَالُ لَهُ خِنْزَبٌ، فَإِذَا أَحْسَسْتَهُ فَتَعَوَّذْ بِاللهِ مِنْهُ،

وَاتْفُلْ عَلَى يَسَارِكَ ثَلَاثًا»، قَالَ: فَفَعَلْتُ ذَلِكَ فَأَذْهَبَهُ اللهُ عَنِّي. [صحيح] - [رواه مسلم]

(146) – Usmaan bin Abil Aas irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Inni gara Nabiyyitti dhufee -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, dhugumatti sheyxaanni anaa fi salaata koo fi qiraatii koo gidduu galee na irratti isii wal fakkeessaa jira. Ergamaan Rabbiitis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Sun sheyxaana "Khinzab" jedhamu, Yeroo wanti akkasii sitti dhaga'ame, Rabbitti irraa maganfadhuu, gara bitaa kee irratti yeroo sadii tufi". ni jedhe: ani akkas godhee, Rabbiin isa narraa kaase. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Usmaan bin Abiil Aas Rabbiin irraa haa jaallatu, gara Nabiyyiitti dhufee, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, sheyxaanni anaa fi salaata koo gidduu galee, khushuu'a isii keessatti na dhoorgeera, akkasumas qiraatii kiyya na irratti walitti laaqee akkan shakku na taasiseera. Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhaniin: Sun sheyxaana Khinzab jedhamu waan ta'eef, waan akkasii yoo argite, yoo sitti dhaga'ame, Rabbitti tikfima barbaadi, Rabbitti irraa maganfadhu, bitaa keetiin yeroo sadii tuftoo xiqqoo tufi, usmaanis akkas jedhe: waan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- itti na ajajan hojjedhee Rabbiin wanta san na irraa deemsise.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata keessatti barbaachisummaa khushuu'a fi dhufinsi qalbii qabuudha, akkasumas Shexaanni burjaajessuu fi

nama shakkisiisuu keessatti akka carraaquudha.

2. Shexaanni yeroo salaata keessatti nama waswaasu, yeroo sadii gara bitaatti tufuudhaan wajjiin isa irraa maganfachuun jaalatamaa ta'uudha.
3. Sahaabaan, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, rakkina isaan mudatu ilaalchisee, akka isaan isaaniif furaniif jecha, Nabiyyiitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- deebi'anii gaafachuun itti fayyadamaa akka turan ibsuudha.
4. Jireenya qalbii sahaabaa fi yaaddoon isaanii Aakhiraa akka ta'eedha.

(65105)

(147) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أَسْوَأُ النَّاسِ سَرَقَةً الَّذِي يَسْرِقُ صَلَاتَهُ» قَالَ: وَكَيْفَ يَسْرِقُ صَلَاتَهُ؟ قال: «لَا يُتِمُّ رُكُوعَهَا، وَلَا سُجُودَهَا». [صحيح] - [رواه ابن حبان]

(147) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Hattuun hamaan nama salaata isaa hatuu dha", ni jedhe: akkmitti salaata isaa hata? ni jedhan: "Rukuu'as ta'e sujuuda isaa hin guutu". [sirrii] - [Ibnu Hibbaan gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni baay'ee fokkataan hattuu salaata isaa irraa hatu akka ta'e ibsaniiru. Hattuu kana kan adda taasisu, qarshii nama biraa fudhachuun addunyaa kana irratti fayyadamuu danda'a; Sababni isaas mindaa fi ajrii ofii argachuu qabu hate waan ta'eef jecha,

ni jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii akkamitti namni salaata ofii hata? Isaanis: Rukuu'aa fi sujuuda salaataa hin guutu; sunis rukuu'a fi sujuuda keessatti ariifatuuni, akkaataa barbaadameen isaan hin raawwatu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa salaata tolfachuu fi tasgabbii fi khushuu'a eeggatanii utubaawwan isiitin dhufuun qabuudha.
2. Nama rukuu'a fi sujuuda sirnaan hin raawwanne bifa hattuutin ibsuun waan kanarraa akeekkachiisuu fi akka dhoorgaa ta'e ibsuudha.
3. Salaata kessatti rukuu'a fi sujuuda guutuu fi isaan keessatti sirnaan ol jedhanii raawwachuun dirqama ta'uudha.

(65100)

(148) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «أَمَا يَخْشَى أَحَدُكُمْ - أَوْ: لَا يَخْشَى أَحَدُكُمْ - إِذَا رَفَعَ رَأْسَهُ قَبْلَ الإِمَامِ، أَنْ يَجْعَلَ اللَّهُ رَأْسَهُ رَأْسَ حِمَارٍ، أَوْ يَجْعَلَ اللَّهُ صُورَتَهُ صُورَةَ حِمَارٍ». [صحيح] - [متفق عليه]

(148) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: “Tokkoon keessan yeroo imaama dura mataa isaa ol kaasu, Rabbiin mataa isaa mataa harree taasisuu, ykn Rabbiin suuraa isaa suuraa harree taasisuu hin sodaatuu?". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama imaama isaa dura mataa isaa ol kaasu irratti

akeekkachiisa jabaadha himan, innis Rabbiin mataa isaa mataa harree taasisuudhaan, ykn suuraa isaa suuraa harree taasisuudhaan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nama imaama waliin salaatuf haalawwan afurtu jiru: sadii dhoorgamoodha, isaanis: imaama dorgomuu, wal qunnamuu fi imaama irraa boodatti harkifachuudha, inni nama imaamatti hidhatee saalaatuuf karaa godhame: imaama hordofuudha.
2. Salaata keessatti nama imaama waliin salaatu irratti imaama hordofuun dirqama ta'uudha.
3. Suuraa nama imaama dura mataa isaa ol kaasuu gara suuraa harreetti jijjiiramuun akeekkachiisuun waanuma malu, innis suuraa namaa gara irra fokkataa suuraatti jijjiiruudha.

(3086)

(149) – عَنْ أَبِي سَعِيدٍ الْخُدْرِيِّ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِذَا شَكَّ أَحَدُكُمْ فِي صَلَاتِهِ، فَلَمْ يَدْرِ كَمْ صَلَّى ثَلَاثًا أَمْ أَرْبَعًا، فَلْيَطْرَحِ الشَّكَّ، وَلْيَبْنِ عَلَى مَا اسْتَيْقَنَ، ثُمَّ يَسْجُدُ سَجْدَتَيْنِ قَبْلَ أَنْ يُسَلِّمَ، فَإِنْ كَانَ صَلَّى خَمْسًا شَفَعْنَ لَهُ صَلَاتَهُ، وَإِنْ كَانَ صَلَّى إِتْمَامًا لِأَرْبَعٍ كَانَتَا تَرْغِيمًا لِلشَّيْطَانِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(149) – Abuu Sa'iid Al-khudrii irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jaalatu- akkana jedhan: «Isin keessaa namni tokko salaata isaa keessatti yoo shakkee, meeqa akka salaate yoo hin beekin sadii moo afurii, shakkii sana ofirraa dhiisee, waan mirkaneeffate irratti ijaaree, eegasii osoo salaamata hin

jedhin sujuuda lama haa sujuuduu, Yoo raka'aa shan kan salaate tahe, salaata isaa qindii taasisaaf, yoo raka'aa afur guutuu kan salaate tahe immoo Sheyxaana lafatti rigaadha taha». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiratu- namni salaata salaatu tokko salaata isaa keessatti yoo shakkee meeqa akka salaate hin beekin, sadii moo afurii? Lakkoofsa dabalataa, shakkisiisaa ta'e fageessuudhaan raka'aan sadii mirkanaa'aa waan tahuuf raka'aa afraffaa salaatee eegasii osoo salaamata hin jedhin sujuuda lama akka sujuuduu qabu ibsaniiru.

Wanti inni salaate dhugumatti afur yoo ta’e; Raka’aan tokko itti dabalamuun shan ta’a, sujuudni lamaan dagannaa bakka raka’aa tokkoo bu'a yoo tahu, kanaaf lakkoofsi witrii osoo hin taane qindii taha, raka’aa dabalamte sanaan afur yoo kan salaate tahe; dirqama irra jiru dabaluu fi hir'isuun maletti ofirraa geesseera.

Sujuudni lamaan dagachuu sheyxaana salphisuu, xiqqeessuu fi honga'aa yaada ofii irraa fageeffame tahee akka deebi'uuf taha; sababni isaas waan inni salaata isaa isa irratti wal fakkeessee balleessuuf waan yaalef jecha, salaatni ilma Aadam ni guutamti yeroo sujuuda sheyxaanni dide gochuun ajaja Rabbii ol tahee fudhate, sunis yeroo sheyxaanni Aadamiif akka sujuudu ajajamee Rabbiif tole jechuu dideedha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni salaataa jiru tokko salaata isaa keessatti yoo shakkee tokkoon waa lamaa isa biratti irra caalaa hin tahin inni shakkii ofirraa dhiisee waan mirkanaa'etti hojjeta,

inni isa irra xiqqaa taheedha, salaata isaa xumuree, osoo salaama hin baafatin sujuuda dagachuu gochuun achi booda salaama baafata.

2. Sujuudni lamaan kun karaa salaata ittiin sirreessani, akkasumas karaa sheyxaana honga'aa xiqqaataa yaada isaa irraa fageeffamaa haala taheen itti deebisani.
3. Shakkiin Hadiisa keessatti dubbatame inni garri tokko irra caaluun maletti waa lama nama biratti walqixxaa'uudha, kanaaf shakkiin yoo jiraatee garri tokko irra caale itti hojjetama.
4. Ajaja Shari'aa fudhachuun waswaasa sheyxaanaa falmachuu fi ofirraa dhiibuu irratti kakaasuudha.

(11231)

(150) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «خَيْرُ يَوْمٍ طَلَعَتْ عَلَيْهِ الشَّمْسُ يَوْمُ الْجُمُعَةِ، فِيهِ خُلِقَ آدَمُ، وَفِيهِ أُدْخِلَ الْجَنَّةَ، وَفِيهِ أُخْرِجَ مِنْهَا، وَلَا تَقُومُ السَّاعَةُ إِلَّا فِي يَوْمِ الْجُمُعَةِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(150) – Abuu Hureyraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isarratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Irra caalaan Guyyaa aduun itti baatee guyyaa Jum’aati, guyyaa kana keessatti Aadam uumame, isa keessatti ammas Jannata seensifame, guyyaa kana keessatti irraa ari’ames, guyyaa Jum’aa malee Qiyaamaan hin dhaabbattu». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- irra caalaan guyyaa aduun itti baatee guyyaa Jum’aa akka ta’e himan.

Wantoota guyyaa Jum'aa adda godhan keessaa: Rabbiin guyyaa kana keessatti Aadamiin uume, Isa keessatti Jannata isa seensise, isa keessatti ammas jannata keessaa isa baasee gara lafaatti isa buuse, Guyyaa jum'aa keessatti malee qiyaamaan hin dhaabbatu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Guyyaan Jimaataa guyyoota torbaanii kanneen biroo hunda caalaa sadarkaa akka qabuudha.
2. Guyyaa Jimaataa keessatti hojii gaggaarii baay'isanii hojjechuu irratti kakaasuudha, akkasumas rahmata Rabbii argachuu fi dheekkamsa Isaa jalaa bahuuf qophaa'uun barbaachisaa akka ta'eedha.
3. Wantoonni guyyaa Jum'aa adda taasisan tan Hadiisa keessatti ibsaman kunneen akkana jedhame: isiin Sadarkaa guyyaa Jum'aa dubbachuufii miti; Sababni isaas Aadam Jannata irraa baafamuu fi Qiyaamaan dhaabbachuun akka sadarkaatti waan hin ilaalamneef jecha. Akkasis jedhame: hundi isaaniituu sadarkaa caalmaati, Aadam jannata irraa bahuun ammoo ergamtoota, nabiyyoota fi namoota gaggaarii irraa sanyiin argamuuf sababaa ta'e, Qiyaamaan dhaabbachuun ammoo mindaa warra gaggaarii ariifachiisuu fi kabajowwan adda addaa irraa waan Rabbiin isaaniif qopheesse akka argataniif sababaa ta'e.
4. Wantoota Hadiisa kana keessatti dubbataman malee wantoonni biroo kan guyyaa jum'aa adda taasisan dubbatamaniiru, isaan keessaa: guyyaa kana keessatti Aadam irratti towbaan deebi'ame, ammas isa keessatti

du'e, guyyaa kana keessa sa’aatiin gabricha mu’uminaa kamiyyuu osoo kadhatee isa qunnamee, Rabbiin waan san isaaf kennu malee hin hafneetu jira.

5. Irra caalaan guyyoota waggaa Guyyaa Arafaati, akkasiis jedhame: Guyyaa qalmaati, irra caalaan guyyoota torbaanii guyyaa Jum’aati, irra caalaan halkanii ammoo halkan qadriiti (leylatul qadr).

(3711)

(151) – عَنْ أَبِي الزُّبَيْرِ قَالَ: كَانَ ابْنُ الزُّبَيْرِ يَقُولُ فِي دُبُرِ كُلِّ صَلَاةٍ حِينَ يُسَلِّمُ: «لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، لَا حَوْلَ وَلَا قُوَّةَ إِلَّا بِاللهِ، لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَلَا نَعْبُدُ إِلَّا إِيَّاهُ، لَهُ النِّعْمَةُ وَلَهُ الْفَضْلُ وَلَهُ الثَّنَاءُ الْحَسَنُ، لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ وَلَوْ كَرِهَ الْكَافِرُونَ» وَقَالَ: «كَانَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يُهَلِّلُ بِهِنَّ دُبُرَ كُلِّ صَلَاةٍ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(151) – Abuzzubayr irraa akka odeeffametti ni jedhe: Ibnu Azzubayr salaata hunda booda akkas jedha ture: «Laa Ilaaha Illallaahu Wahdahuu laa Shariika lahuu, lahul mulku Walahul hamdu Wahuwa Alaa kulli Shay'in Qadiir, Laa Hawla Walaa Quwwata Illaa Billaah, Walaa Na'abudu Illaa Iyyuahu, Lahu Anni'imatu walahul fadlu walahussanaa'ul hasan, Laa ilaaha Illallaahu Mukhlisiina Lahuddiina wolaw Karihal kaafiruun» eegasii akkas jedha ture: «Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- saalaata hunda booda isiidhaan zakkaru turani». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- boodaa salaata dirqamaa hunda irraa salaama ba'anii zikrii jabaa kanaan zakkaru turani, hiikni isaas:

"Laa Ilaaha Illallaah" haqaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru.

"Wahdahuu Laa Shariika Lah" inni gabbartii isaa keessatti, Rabbummaa isaa keessatti, maqootaa fi sifoota isaa keessatti kan isaan woliin qooddatu hin qabu.

"Lahul Mulku" jechuun: mootummaan guutuun daangaa hin qabne bal'aan, motummaan samiiwwanii, dachiiwwanii fi waan isaan gidduu jiruu kan isaa qofa jechuudha.

"Faaruunis kanuma isaati" jechuun: isaatu guutummaa guutuu ta'een himama, isa jaallataa, isa guddisaa akkaataa hunda keessatti, gammachuu fi rakkina keessatti guutummaan kan faarfamu.

"Wa huwa Alaa Kulli Shay'in Qadiir" jechuun: dandeettiin isaa karaa hndaanuu guutuudha jechuudha, homaa isa hin dadhabsiisu, dubbiin kamuu kan isa irratti jabaatu hin jiru.

"Laa Hawla Walaa Quwwat Illaa Billlaah" jechuun: haala tokko irraa gara haala tokkootti jijiiramuun, Rabbiin faallessuu irraa gara Rabbiin buluutti jijjiiramuun, Rabbiin malee dandeettiin itti hin jiru jechuudha, isaatu gargaaraadha hirkannaanis isuma irratti.

"Laa Ilaaha Illallaahu, Walaa Na'abudu Illaa Iyyaahu" jechuun: hiika gabbartii gadi dhaabuu fi shirkii mormuudha, isa malee gabbartii kan haqa godhatu hin jiru jechuudha.

"Lahunni'imatu Walahul fadlu" jechuun: isaatu qananii uuma isaatu isa harkaa qabaas, gabroottan isaa keessaa nama

fedhe irratti isaan tola oola jechuudha.

"Walahussanaa'ul hasan" jechuun: zaata isaa, sifaata isaa, hojii isaa, qananii isaatii fi haala hunda irratti faaruun gaariin kan isaati jechuudha.

"Laa Ilaaha Illallaahu, Mukhlisiina Lahuddiina": jechuun: Rabbiin buluu keessatti argisiifannaa fi dhageessifannaan maletti isa tokkichoomsoo haala taaneen jechuudha.

"Wa law Karihal kaafiruun" jechuun: kaafiroonni jibbanullee Rabbiin tokkichoomsuu fi ibaadaa isaa irratti haala raggaaneen jechuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Booda salaata dirqamaa hundaatii zikrii kana irra jiraachuun jallatamaa ta'uu isaa.
2. Kafiroonni jibbanullee muslimni amantaa isaa fi mallatoo amantaa isaa ni mul'isa.
3. Hadiisa keessatti jechi "booda salaataa" jedhu yeroo dhufe, hadiisicha keessatti kan dubbatame zikrii yoo ta'e bu'uurri booda salaataatii ta'uudha, du'aa'ii yoo ta'e immoo salaata irraa salaammachuun duratti ta'a.

(6203)

(152) – عَنْ وَرَّادٍ كَاتِبِ الْمُغِيرَةِ بْنِ شُعْبَةَ قَالَ: أَمْلَى عَلَيَّ الْمُغِيرَةُ بْنُ شُعْبَةَ فِي كِتَابٍ إِلَى مُعَاوِيَةَ: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَانَ يَقُولُ فِي دُبُرِ كُلِّ صَلَاةٍ مَكْتُوبَةٍ: «لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ، وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، اللَّهُمَّ لَا مَانِعَ لِمَا أَعْطَيْتَ، وَلَا مُعْطِيَ لِمَا مَنَعْتَ، وَلَا يَنْفَعُ ذَا الْجَدِّ مِنْكَ الْجَدُّ». [صحيح] - [متفق عليه]

(152) – Warraad barreessaa Mughiiraa bin Shu’ubaa irraa odeeffamee, akkana jedhe: Mughiiraa bin Shu’ubaa xalayaa Mu'aawiyaan barreesse keessatti narratti dubbise: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhuma salaata dirqamaa hunda keessatti akkana kan jedhan ta'an: "Haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee hin jiru, mootummaa fi faaruun kan isaati, Inni waan hundumaa irratti danda'aa dha. Yaa Rabbi, waan ati kennite namni dhoorgu hin jiru, waan ati dhoorgite namni kennu hin jiru, sibiratti dureessa durumti isaa isa hin fayyadu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhuma salaata dirqamaa hunda keessatti akkana kan jedhan ta'an*: "Haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee hin jiru, mootummaa fi faaruun kan isaati, Inni waan hundumaa irratti danda'aa dha. Yaa Rabbi, waan ati kennite namni dhoorgu hin jiru, waan ati dhoorgite namni kennu hin jiru, sibiratti abbaa qabeenyaa qabeenyi isaa isa hin fayyadu".

Jechuunis: Jecha tokkichummaa Rabbii nan raggaasisa "Laa ilaaha illallaah" jechuunis: Rabbiin malee haqaan gabbaramaan hin jiru jedhuudha, Ibaadaa dhugaa Rabbiif qofa nan mirkaneessa, waan biraa irraa nan haala, Gabbaramaan haqaa Rabbiin malee hin jiru, mootummaan dhugaa fi guutuu ta’e kan Rabbii qofa ta’uu nan beeka. Waan hundaa inni waan danda'uuf. faaruun namoota samii fi dachii hundinuu Rabbii ol ta'e qofaaf haqa godhamaadha. Waan Rabbiin kennaa ykn dhoorgaa irraa waan Rabbiin murteesse kamiyyuu wanti deebisu hin jiru. Isa biratti abbaa qabeenyaa qabeenyi isaa isa hin fayyadu, kan isa fayyaduu danda'u hojii gaarii qofaadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Zikrii kana erga salaata xumuuranii booda jechuun jaalatamaa ta'uudha, sababni isaas jechoota tokkichummaa fi faaruu Rabbii of keessaa waan qabuuf jecha.
2. Sunnaa hordofuu fi babal'isuu irratti ariifachuudha.

(65102)

(153) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مَنْ سَبَّحَ اللهَ فِي دُبُرِ كُلِّ صَلَاةٍ ثَلَاثًا وَثَلَاثِينَ، وَحَمِدَ اللهَ ثَلَاثًا وَثَلَاثِينَ، وَكَبَّرَ اللهَ ثَلَاثًا وَثَلَاثِينَ، فَتْلِكَ تِسْعَةٌ وَتِسْعُونَ، وَقَالَ: تَمَامَ الْمِائَةِ: لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ غُفِرَتْ خَطَايَاهُ وَإِنْ كَانَتْ مِثْلَ زَبَدِ الْبَحْرِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(153) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni duuba salaata hundatti Subhaanallaah yeroo soddomii sadii, Alhamdulillaah yeroo soddomii sadii, Allaahu Akbar yeroo soddomii sadii jedhe, kun sagaltamii sagal ta'a, dhibba guutuuf: Laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wa huwa alaa kulli shey'in qadiir jedhe, diliin isaa osoo akka hoomocha galaana bahr ta’ellee dhiifama argateera». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni salaata dirqamaa booda akkas jedhe:

yeroo soddomii sadii: "Subhaanallaah" Innis Rabbiin hanqina irraa qulqulleessuudha.

yeroo soddomii sadi: "Alhamdulillah" Isa jaallachuu fi guddisuudhaan wajji amaloota isaa guutuu ta'aniin Isa faarsuudha.

yeroo soddomii sadi: "Allaahu Akbar" Innis Rabbiin waan hundumaa caalaa guddaa fi waan hundaa oli jechuudha.

Lakkoofsa dhibbaa guutuuf akkana jedha: " Laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wa huwa alaa kulli shey'in qadiir" Hiikni isaas: Haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee hin jiru, Isuma qofaatu mootummaa guutuu qaba, waan biroo osoo hin taane inni kan jaalalaa fi guddisuu wajjiin faaruu haqa godhatu yoo tahu, Isa wanni tokko kan Isa dadhabsiisu hin jiru jechuudha.

Namni akkas jedhe, diliin isaa baay'ee yoo ta'ellee irraa haqamteeti araarama argata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata dirqamaa booda zikrii kana gochuun jaalatamaa tahuudha.
2. Zikrii kana jechuun sababaa diliin namaa araara itti argatu akka taheedha.
3. Tolli Rabbii ol taheeti fi rahmannii fi araarmni isaa guddaa akka taheedha.
4. Zikriin kun diliin namaaf araaramuuf sababaa yoo ta'u, itti fedhamaan: diliiwwan xixiqqaa nama irraa buusuudha, diliiwwan gurguddaan ammoo towbaa malee wanti isii haqu hin jiru.

(154) – عَنْ أَبِي أُمَامَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مَنْ قَرَأَ آيَةَ الْكُرْسِيِّ فِي دُبُرِ كُلِّ صَلَاةٍ مَكْتُوبَةٍ لَمْ يَمْنَعْهُ مِنْ دُخُولِ الْجَنَّةِ إِلَّا أَنْ يَمُوتَ».

[صحيح] - [رواه النسائي في الكبرى]

(154) – Abuu Umaamaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni booda salaata dirqamaa hundatti Aayatal-Kursii qara'e du'a malee wanti Jannata seenuu isa dhorgu hin jiru». [sirrii] - [Nasaa'iitu Kubraa keessatti gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni eega salaata waajibaa xumuree Aayatal-Kursii qara'e du'a malee wanti jannata seenuu isa dhorgu akka hin jirre himaniiru, isheenis suuraa baqaraa keessatti kan argamtu yoo tahu, jecha Rabbii ol tahee kanaadha: {Rabbiin Isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru; (Inni) jiraataadha; waan hundaan dhaabbataadha. Mugaatiis ta'ee hirribni Isa hin qabu. Wanti samiilee keessa jiruufi wanti dachii keessa jiru (hundi) kan Isaati. Inni hayyama Isaatiin malee Isa biratti araarsu eenyuma? Waan fuuldura isaaniitiifi waan duuba isaaniis ni beeka. Beekumsa Isaa irraa waan Inni fedhetti malee hin marsanu. Kursiin Isaa samiifi dachii irra bal'ateera. Isaan lamaan tiksuun Isa hin dadhabsiisu, Inni ol ta'aa, guddaadha}. [Baqaraa: 255].

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa Aayanni guddoon tun qabduudha; Sababaa maqoolee babbareedoo fi amaloota ol'aanoo of keessatti

qabatteef jecha.

2. Salaata dirqamaa hunda boodatti Aayata guddoo tana qara'uun jaalatamaa tahuudha.
3. Hojiin gaariin Jannata seenuuf sababaa akka taheedha.

(10950)

(155) – عَنِ ابْنِ عُمَرَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا قَالَ: حَفِظْتُ مِنَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ عَشْرَ رَكَعَاتٍ: رَكْعَتَيْنِ قَبْلَ الظُّهْرِ، وَرَكْعَتَيْنِ بَعْدَهَا، وَرَكْعَتَيْنِ بَعْدَ المَغْرِبِ فِي بَيْتِهِ، وَرَكْعَتَيْنِ بَعْدَ العِشَاءِ فِي بَيْتِهِ، وَرَكْعَتَيْنِ قَبْلَ صَلاَةِ الصُّبْحِ، وَكَانَتْ سَاعَةً لَا يُدْخَلُ عَلَى النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِيهَا، حَدَّثَتْنِي حَفْصَةُ أَنَّهُ كَانَ إِذَا أَذَّنَ المُؤَذِّنُ وَطَلَعَ الفَجْرُ صَلَّى رَكْعَتَيْنِ، وَفِي لَفْظٍ: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَانَ يُصَلِّي بَعْدَ الْجُمُعَةِ رَكْعَتَيْنِ.

[صحيح] - [متفق عليه بجميع رواياته]

(155) – Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Raka'aa kudhanin haffaze: raka'aa lama zuhrii dura, raka'aa lama ammoo isii booda, raka'aa lama maghriiba booda mana ofiititti, raka'aa lama ishaa'ii booda mana ofititti, raka'aa lama salaata subhii duratti, Sa'aatii Nabiyyii irratti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hin seenamne turte, mu'azzinni yeroo azaanee fajriin bahe raka'aa lama akka salaatan Hafsaan natti himte. gabaasa biroo keessatti: Rasuulli -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata jum'aa booda rak'aa lama kan salaatan ta'an. [sirrii] - [karaalee odeeffame hundaan ittiwaliigalamaadha]

Ibsaa:

Abdullaah bin Umar -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkana jechuun ni ibsa: Salaata sunnaa Nabiyyii irraa qabadhe keessaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- raka'aa kudhani, isiinis Sunnaalee rawaatibaa jedhamtee waamamti, Zuhrii dura raka'aa lama, isii boodas raka'aa lama, Maghriiba booda mana isaanii keessatti raka'aa lama, Ishaa'ii booda mana isaanitti raka'aa lama. Salaata Subhii dura raka'aa lama. Raka'aa kudhan guutte. Salaata jum'aa booda immoo raka'aa lama salaatu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sunnoowwan rawaatibaa kanneen salaatuu fi irratti turuun barbaachisaa ta'uudha.
2. Sunnaa mana keessatti salatuun karaa ta'uudha.

(3062)

(156) – عَنْ أَبِي قَتَادَةَ السَّلَمِيِّ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِذَا دَخَلَ أَحَدُكُمُ الْمَسْجِدَ فَلْيَرْكَعْ رَكْعَتَيْنِ قَبْلَ أَنْ يَجْلِسَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(156) – Abuu Qataadaa Assalamii irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Tokkoon keessan yeroo masjiida seene osoo hin taa'in raka'aa lama haa salaatu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmannni irra haa jiraatu- namni kaayyoo kamiifuu yeroo barbaadetti dhufee masjiida seene osoo hin taa'in dura raka'aa lama akka salaatu kakaasaniiru, isaanis raka'aa lamaan tahiyyaa masjiidaati.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Osoo hin taa'in dura raka'aa lama tahiyyaa masjiidaa salaatuun jaalatamaa ta'uudha.
2. Ajajni kun nama taa'uu fedheefi, kanaafuu namni masjiida seenee osoo hin taa'in ba'e ajajni kun isa hin ilaallatu.
3. Osoo namoonni salaataa jiruu masjida seenee salaata isaanin waliin yoo eegale sun raka'aa lamaan tahiyyaa san irraa isaaf gaya.

(65091)

(157) – عن أَبِي هُرَيرَةَ رضي الله عنه أَنَّ رسولَ اللهِ صلى الله عليه وسلمَ قال: «إذا قُلْتَ لِصَاحِبِكَ: أَنْصِتْ، يَومَ الجُمُعَةِ، وَالْإِمَامُ يَخْطُبُ، فَقَدْ لَغَوْتَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(157) – Abbaa Hureyraa irraa akka gabaafametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Guyyaa Jum'aa, osoo imaamni gorsuu hiriyaa keetiin callisi (dhageeffadhu) yoo jette, ati dhugumatti taphattee jirta (sadarkaa salaata jum'aa dhabdeerta"). [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- naamusaalee nama gorsa jum'aa dhufe irratti dirqama ta'an keessaa tokko gorsa kennamu dhaggeeffachuu akka ta'e ibsan; gorsa kennamu akka xiinxaluuf jecha, akkasumas osoo imaamni gorsuu namni dubbatee -waan xiqqoo illee osoo ta'ee- nama birootiin akkana jedhee: "Cal'isi" "dhaggeeffadhu" sadarkaan salaata jum'aa akka isa darbu ibsaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Osoo khuxbaa dhagahanii dubbachuun haraama ta'uudha, osoo badii irraa dhoorguu ykn salaamtaa deebisuu fi haxxiffataa gammachiisuun osoo ta'ellee.
2. Dhoorgaa kana irraa kan hafu nama imaama dubbisu yokaan imaamni isa dubbisu qofa.
3. Yeroo barbaachisaa ta’etti khuxbaa lamaan gidduutti dubbachuun ni danda’ama.
4. Nabiyyiin, -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- osoo imaamni gorsaa jiruu yoo maqaan isaanii dubbatame, sagalee gad qabatteeti salawaata irratti buusta, akkasumas du'aa'in yeroo godhamu aamiin jechuunis sagalee gad qabachuun ta'a.

(3107)

(158) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللهُ عَنْهُ: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «صَلَاةٌ فِي مَسْجِدِي هَذَا خَيْرٌ مِنْ أَلْفِ صَلَاةٍ فِيمَا سِوَاهُ إِلَّا الْمَسْجِدَ الْحَرَامَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(158) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- akkana jedhan: “Masjiida kiyya kana keessatti salaanni tokko Masjiida biraa irra mindaa salaata kuma tokkootin caala, Al-Masjiidal Haraam malee". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sadarkaa masjiida isaanii keessatti salaatuun qabuu fi mindaan sanaa masjiidowwan lafaa irraa salaata masjiida biraa keessatti salaatatamu irra salaata kuma tokkoon akka caalu ibsan, Masjiida haraamaa kan Makkaa jiru yoo ta'e malee, salaanni isa

keessatti salaatamu salaata masjiida Rasuulaa -nagaa fi rhmanni irra haa jiraatu- keessatti salaatamu caala.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Mindaan salaataa Masjiidal Haraami fi Masjiid nabawii keessatti dachaa akka ta'eedha.
2. Salaanni Masjiidal Haraam keessatti salaatamu kuma dhibba tokko kan masjiidota biroo keessatti salaatamu caala.

(65090)

(159) – عَنْ مَحْمُودِ بْنِ لَبِيدٍ رضي الله عنه: أَنَّ عُثْمَانَ بْنَ عَفَّانَ أَرَادَ بِنَاءَ الْمَسْجِدِ فَكَرِهَ النَّاسُ ذَلِكَ، وَأَحَبُّوا أَنْ يَدَعَهُ عَلَى هَيْئَتِهِ، فَقَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَنْ بَنَى مَسْجِدًا لِلَّهِ بَنَى اللهُ لَهُ فِي الْجَنَّةِ مِثْلَهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(159) – Mahmuud bin Labiid irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Usmaan bin Affaan masjiida ijaaruu barbaade, garuu namoonni sana jibbanii, akkuma jirutti akka isa dhiisu jaallatan, ni jedhe: Ani Rasuula Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhu dhaga'e: "Namni Rabbiif jecha masjiida tokko ijaare, Rabbiin jannata keessatti waan isa fakkaatu isaaf ijaara". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Usmaan bin Affaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- Masjiida Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ijaarsa isaa isa jalqabaa caalaa haala gaariin deebisee ijaaruu barbaade, garuu namoonni san ni jibban; Sababni isaas jijjiirama ijaarsaa sana keessa ijaarsa masjiidaa waan inni bara Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- keessatti irra jiru irraa jijjiiruun waan

jiruuf jecha. Masjiidni kun dhoqqeedhaan kan ijaarame yoo ta'u, xaaraan isaas muka timiraa irraa hojjetame. Garuu Usmaan dhagaa fi jeessoon ijaaruu barbaade. Usmaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhu kan dhaga'e ta'uu isaanitti hime: Namni fakkeessummaa fi maqaa gaarii barbaaduun malee jaalala Isaa barbaadee masjiida ijaare mindaa gosa hojii isaa irra caalu Rabbiin ol ta'e isa mindeessa, mindaan kunis Rabbiin Jannata keessatti fakkaataa waan inni ijaaree isaaf ijaaruudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Masjiidota ijaaruu irratti kakaasuu fi sadarkaa sanaa ibsuudha.
2. Masjiida bal'isuu fi haaromsuun sadarkaa ijaarsaa keessa akka galuudha.
3. Hojiilee hunda keessatti barbaachisummaa dalagaa Rabbii ol ta'eef qulqulleessanii dalaguun qabuudha.

(65089)

(160) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مَا مِنْ صَاحِبِ ذَهَبٍ وَلَا فِضَّةٍ، لَا يُؤَدِّي مِنْهَا حَقَّهَا، إِلَّا إِذَا كَانَ يَوْمُ الْقِيَامَةِ، صُفِّحَتْ لَهُ صَفَائِحُ مِنْ نَارٍ، فَأُحْمِيَ عَلَيْهَا فِي نَارِ جَهَنَّمَ، فَيُكْوَى بِهَا جَنْبُهُ وَجَبِينُهُ وَظَهْرُهُ، كُلَّمَا بَرَدَتْ أُعِيدَتْ لَهُ، فِي يَوْمٍ كَانَ مِقْدَارُهُ خَمْسِينَ أَلْفَ سَنَةٍ، حَتَّى يُقْضَى بَيْنَ الْعِبَادِ، فَيَرَى سَبِيلَهُ، إِمَّا إِلَى الْجَنَّةِ، وَإِمَّا إِلَى النَّارِ». قِيلَ: يَا رَسُولَ اللهِ، فَالْإِبِلُ؟ قَالَ: «وَلَا صَاحِبُ إِبِلٍ لَا يُؤَدِّي مِنْهَا حَقَّهَا، وَمِنْ حَقِّهَا حَلَبُهَا يَوْمَ وِرْدِهَا، إِلَّا إِذَا كَانَ يَوْمُ الْقِيَامَةِ، بُطِحَ لَهَا بِقَاعٍ قَرْقَرٍ، أَوْفَرَ مَا كَانَتْ، لَا يَفْقِدُ مِنْهَا فَصِيلًا وَاحِدًا، تَطَؤُهُ بِأَخْفَافِهَا وَتَعَضُّهُ بِأَفْوَاهِهَا، كُلَّمَا مَرَّ

عَلَيْهِ أُولَاهَا رُدَّ عَلَيْهِ أُخْرَاهَا، فِي يَوْمٍ كَانَ مِقْدَارُهُ خَمْسِينَ أَلْفَ سَنَةٍ، حَتَّى يُقْضَى بَيْنَ الْعِبَادِ، فَيَرَى سَبِيلَهُ إِمَّا إِلَى الْجَنَّةِ، وَإِمَّا إِلَى النَّارِ». قِيلَ: يَا رَسُولَ اللهِ، فَالْبَقَرُ وَالْغَنَمُ؟ قَالَ: «وَلَا صَاحِبُ بَقَرٍ، وَلَا غَنَمٍ، لَا يُؤَدِّي مِنْهَا حَقَّهَا، إِلَّا إِذَا كَانَ يَوْمُ الْقِيَامَةِ بُطِحَ لَهَا بِقَاعٍ قَرْقَرٍ، لَا يَفْقِدُ مِنْهَا شَيْئًا، لَيْسَ فِيهَا عَقْصَاءُ، وَلَا جَلْحَاءُ، وَلَا عَضْبَاءُ تَنْطَحُهُ بِقُرُونِهَا وَتَطَؤُهُ بِأَظْلَافِهَا، كُلَّمَا مَرَّ عَلَيْهِ أُولَاهَا رُدَّ عَلَيْهِ أُخْرَاهَا، فِي يَوْمٍ كَانَ مِقْدَارُهُ خَمْسِينَ أَلْفَ سَنَةٍ، حَتَّى يُقْضَى بَيْنَ الْعِبَادِ، فَيَرَى سَبِيلَهُ إِمَّا إِلَى الْجَنَّةِ، وَإِمَّا إِلَى النَّارِ». قِيلَ: يَا رَسُولَ اللهِ، فَالْخَيْلُ؟ قَالَ: «الْخَيْلُ ثَلَاثَةٌ: هِيَ لِرَجُلٍ وِزْرٌ، وَهِيَ لِرَجُلٍ سِتْرٌ، وَهِيَ لِرَجُلٍ أَجْرٌ، فَأَمَّا الَّتِي هِيَ لَهُ وِزْرٌ، فَرَجُلٌ رَبَطَهَا رِيَاءً وَفَخْرًا وَنِوَاءً عَلَى أَهْلِ الْإِسْلَامِ، فَهِيَ لَهُ وِزْرٌ، وَأَمَّا الَّتِي هِيَ لَهُ سِتْرٌ، فَرَجُلٌ رَبَطَهَا فِي سَبِيلِ اللهِ، ثُمَّ لَمْ يَنْسَ حَقَّ اللهِ فِي ظُهُورِهَا وَلَا رِقَابِهَا، فَهِيَ لَهُ سِتْرٌ وَأَمَّا الَّتِي هِيَ لَهُ أَجْرٌ، فَرَجُلٌ رَبَطَهَا فِي سَبِيلِ اللهِ لِأَهْلِ الْإِسْلَامِ، فِي مَرْجٍ وَرَوْضَةٍ، فَمَا أَكَلَتْ مِنْ ذَلِكَ الْمَرْجِ، أَوِ الرَّوْضَةِ مِنْ شَيْءٍ، إِلَّا كُتِبَ لَهُ، عَدَدَ مَا أَكَلَتْ حَسَنَاتٌ، وَكُتِبَ لَهُ، عَدَدَ أَرْوَاثِهَا وَأَبْوَالِهَا، حَسَنَاتٌ، وَلَا تَقْطَعُ طِوَلَهَا فَاسْتَنَّتْ شَرَفًا، أَوْ شَرَفَيْنِ، إِلَّا كَتَبَ اللهُ لَهُ عَدَدَ آثَارِهَا وَأَرْوَاثِهَا حَسَنَاتٍ، وَلَا مَرَّ بِهَا صَاحِبُهَا عَلَى نَهْرٍ، فَشَرِبَتْ مِنْهُ وَلَا يُرِيدُ أَنْ يَسْقِيَهَا، إِلَّا كَتَبَ اللهُ لَهُ، عَدَدَ مَا شَرِبَتْ، حَسَنَاتٍ». قِيلَ: يَا رَسُولَ اللهِ، فَالْحُمُرُ؟ قَالَ: «مَا أُنْزِلَ عَلَيَّ فِي الْحُمُرِ شَيْءٌ، إِلَّا هَذِهِ الْآيَةَ الْفَاذَّةَ الْجَامِعَةَ: {فَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ خَيْرًا يَرَهُ، وَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ شَرًّا يَرَهُ} [الزلزلة: 8]. [صحيح - [متفق عليه]

(160) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Abbaan warqii fi

meetii waan irraa kaffaluun dirqama ta'e kan hin kaffalle guyyaa Qiyaamaa gabateen ibiddaa isaaf diriirfamu malee hin hafu, ibidda Jahannam keessatti ishee irratti oo'ifama, cinaachi isaa, addi isaa fi dugdi isaa isheedhaan gubama, yeroo qabbanaa'e hunda deebi'ee isaaf oo'ifama, guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantamatti lakkaa'amu keessatti akkasitti tura, hanga jidduu gabrootatti murtiin godhamee, karaa isaa gara Jannataa ykn gara ibiddaa ta'uu argutti. Ni jedhame: Yaa Ergamaa! Gaalli hoo? ni jedhan: «Abbaan gaalas kan haqa ishee keessatti dirqama ta'e hin kaffale, haqa ishee keessaa: guyyaa isheen bishaan dhuftu ishee elmuudha, guyyaa qiyaamaa dirree bal'aa keessatti irra guutuu haala ishee haala taateen, kan gaalli tokko irraa hin hafne, kophee isheetiin isa dhidhiitti, akkasumas afaan isheetiin isa ciniinti, jalqabni ishee yeroo irra darbe hundaayyuu xumurri ishee irratti deebifama, guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantamatti lakkaa'amu keessatti akkasitti tura, hanga jidduu gabrootatti murtiin godhamee, karaa isaa gara Jannataa ykn gara ibiddaa ta'uu argutti. Ni jedhame: Yaa Ergamaa Rabbii! Loon, hoolaa fi re'een hoo?" ni jedhan: «Abbaan looni fi re'ootaa kan haqa ishee keessatti dirqama ta'u hin kaffalle, Guyyaa Qiyaamaa dirree bal'aa fi wal qixa ta'e irratti isheedhaf diriirfamu malee hin hafu, kan tokkolleen ishee irraa hin hafne, ishee keessa tan gaafa baajii hin jirtu, tan gaafa hin qabnes hin jirtu, akkasumas tan gaafni cabes hin jirtu. Gaafa isaaniitiin isa rukutaa, miila isaaniitiin irra deeman. jalqabni ishee yeroo irra darbe hundaayyuu xumurri ishee irratti deebifama, guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantamatti lakkaa'amu keessatti akkasitti tura, hanga jidduu gabrootatti murtiin godhamee, karaa isaa gara Jannataa ykn gara ibiddaa ta'uu argutti. Ni jedhame:

Yaa Ergamaa Rabbii! Fardi hoo? ni jedhan: «Fardi sadii: Fardi tokko namichaaf diliidha, fardi tokko namichaaf girdoodha, fardi tokko namichaaf mindaadha. Inni namichaaf dilii ta'u immoo, nama farda na argiif, of tuuluu fi ummata Islaamaa irratti lola labsuuf isa godhateedha, kanaaf inni isa irratti dilii taha. Inni namichaaf girdoo tahu immoo: isa namichi karaa Rabbii irratti jihaadaaf isa qopheessee, ergasii haqa dugdaa fi gateettii isaa keessa jiru kan him dagatiniidha, kanaaf inni isaaf girdoo taha. Inni namichaaf mindaa ta'u immoo: inni isa namichi warra Islaamaatiif karaa Rabbii keessatti jihaadaf isa qopheesse yoo tahu, innis dheeduuf margaa fi caffee keessa oola, marga sana irraa yookaan caffee sana irraa lakkoofsa waan inni nyaatetiin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, akkasumas lakkoofsa faandoo fi fincaan isaatin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, inni haada isaa dheeraa ittiin hidhamu kutee, dafee gaara tokko ykn gaara lama bahee jennaan; lakkoofsa faana fi faandoo isaatin toltuun isaaf barreeffamu malees hin hafu, Abbaan isaa laga bira isaan darbee jennaan bishaan hin dhugu abbaanisa isa obaasuu hin barbaadu, lakkoofsa waan inni dhugeetin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu. Ni jedhame: Yaa Ergamaa Rabbii! Harreen hoo? ni jedhan: Aayata fakkaataan ishee xiqqaa tana malee seerri isaaf addatti ana irratti bu'e hin jiru: {Namni (hanga) madaala atoomii toltuu dalage isa ni argata, namni (hanga) madaala atoomii dalagaa badduu dalages isa ni argata} [Azzalzalaa: 8]». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gosoota qabeenyaa fi guyyaa qiyaamaa adabbii warra zakaa isaanii hin

kaffalle ibsan, kanneen keessaa:

Inni jalqabaa: warqii, meetii fi kan isaan lamaan fakkaatan, kan akka maallaqaa fi meeshaalee daldalaa, kan zakaan isa keessatti dirqama taatee hin kaffalamin, Guyyaan Qiyaamaa yeroo gahe baqfamtee akka bifa gabatetti naqamtee, ibiddi irratti qabsiifamee, abbaan ishee ittiin adabama, cinaachi isaa, addi isaa fi dugdi isaa ittiin gubama, yeroo qabbanaa'e hundatti deebi'ee ho'ifama, Haala gidiraa kanaan, guyyaa qiyaamaa guutuu guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti itti fufa, hanga Rabbiin uumama isaa gidduutti murteessutti, warra Jannataa ykn warra ibiddaa irraa ta'a.

Lammaffaan: Abbaa gaalaa kan zakaa fi haqa isaa hin kaffalle, sana keessaa namoota hiyyeessa ta'an irraa nama isheetti dhufuuf aannan elmuudha, Gaalonni kunniin guyyaa qiyaamaa gurguddoo gagabbatoo fi lakkoofsa keessatti kan duraanii caalaa ta'anii fidamanii, abbaan ishee dachii bal'oo wal qixa ta'e irratti isheedhaaf diriirfamee, miilaan isheetin irra deemaa ilkaan isheetin isa ciniinti, Yeroo inni dhumaa isa bira darbu hundatti inni jalqabaa itti deebifama, Haala gidiraa kanaan, guyyaa qiyaamaa guutuu guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti itti fufa, hanga Rabbiin uumama isaa gidduutti murteessutti, warra Jannataa ykn warra ibiddaa irraa ta'a.

Sadaffaan: Abbaa horii fi re'eeti -hoola fi re'ee- kan abbaan ishee zakaa ishee keessatti dirqamaa hin kaffalle, guyyaa qiyaamaa osoo homaa irraa hin hir'atin lakkoofsa duraanii caalaa taatee fidamtee, abbaan ishee dachii bal'aa wal qixa ta'e irratti isheedhaaf diriirfama, tan gaafa baajii, tan gaafa hin qabne, tan gaafni irraa cabe ishee keessa hin jirtu, inumaayyuu

isheen haala ishee guutuu irratti jirti, gaafa isheetin isa waraanaa, miila isheetin irra deemti, yeroo inni dhumaa bira darbu hundatti inni jalqabaa itti deebifama. Haala gidiraa kanaan, guyyaa qiyaamaa guutuu guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti itti fufa, hanga Rabbiin uumama isaa gidduutti murteessutti, warra Jannataa ykn warra ibiddaa irraa ta'a.

Afraffaan: Abbootii fardaati, inni gosa sadiitti qoodama:

Tokkoffaan: Isa namichaatti dilii ta'u, kunis nama na argiif, of tuuluu fi ummata Islaamaa irratti lola labsuuf isa godhate.

Lammaffaan: Isa namichaaf girdoo ta'u, kunis Nama karaa Rabbii irratti jihaadaaf farda qopheessee, ergasii tola itti ooluun, nyaataa fi kormaa itti gadi lakkisuu dabalatee waan ishee barbaachisu hunda kan kenneefi.

Sadaffaan: Isa namichaaf mindaa ta'u, kunis nama Islaamummaaf karaa Rabbii irratti jihaada gaggeessuuf isa godhate, inni dheeduuf margaa fi caffee keessa oola, lakkoofsa waan inni nyaatetiin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, akkasumas lakkoofsa faandoo fi fincaan isaatin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, inni haada isaa dheeraa ittiin hidhamu kutee, dafee gaara bahee jennaan; lakkoofsa faana fi faandoo isaatin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, Abbaan isaa laga bira isaan darbee jennaan bishaan hin dhugu abbaanisa isa obaasuu hin barbaadu, lakkoofsa waan inni dhugeetin isaaf barreeffamu malee hin hafu.

Eegasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- harreen akka fardaati moo akkamii irraa gaafataman?

Akkas jedhan: Aayata fakkaatan ishee xiqqaa tana malee seerri isaaf addatti bu'e hin jiru, isheen kheyrii fi badii irraa

gosoota hunda qabatti. Isheen jecha Rabbii ol ta'eeti: {Namni (hanga) madaala atoomii toltuu dalage isa ni argata, namni (hanga) madaala atoomii dalagaa badduu dalagees isa ni argata} [Az-Zalzalah: 8], Harroota horachuu keessatti namni kheyrii hojjate mindaa sanaa ni argata, yoo badii hojjates adabbii sanaa ni argata, kuni gochoota hunda hammata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Zakaa kaffaluun dirqama ta'uu fi isa kaffaluu diduu irratti doorsisni cimaan akka jiruudha.
2. Namni zakaa ceem'aa irraa kan ka'een dhoorgatu kaafira hin tahuudha, garuu balaa guddaa keessa jira.
3. Namni tokko gocha Rabbiif ajajamuu keessatti yoo ka’umsa dalagaa sanii yaade ta'ee tokko tokko gocha sanaa osoo hin yaadinillee, tokkoo tokkoo dalagaa saniin akka mindeeffamuudha.
4. Qabeenya keessa Zakaa malee haqni biraas akka jiruudha.
5. Haqa gaalaa keessaa eddoo gaalli bishaan dhugdutti namoota hiyyeessa ta'an irraa nama dhufeef isa elmuudha; Akka nama rakkateef mana dhaquu caalaa salphaa ta’uuf jecha, akkasumas horii sanaafis gara laafessa ta'uuf jecha. Ibnu Baxxaal akkana jedhe: Qabeenya keessa haqa lamaatu jira: Haqa tokkoo tokkoon nama irratti dirqamaati fi kan birooti, Aannan elmuun haqa amaloota faarfamoo irraa ta'eedha.
6. Haqa gaalaa, horii fi re'ee keessaa yeroo isheen kormaatti haajamtetti kormaa itti gadi lakkisuudha.
7. Murtiin harree fi waan addatti Aayanni qur'aanaa fi hadiisni itti hin dhufin hundaa: Jecha Rabbii ol ta'ee kana

keessatti hammatameera: {Namni (hanga) madaala atoomii toltuu dalage isa ni arga, namni (hanga) madaala atoomii dalagaa badduu dalage isa ni arga}.

8. Keeyyatni Qur'aanaa kun osoo waan xiqqaas ta'ee waan gaarii hojjechuu irratti jajjabeessuu fi osoo xiqqaas ta'ee waan hamaa hojjechuu irraa sodaachisu of keessaa qaba.

(6611)

(161) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عنْ رسولِ الله صلى الله عليه وسلم قال: «مَا نَقَصَتْ صَدَقَةٌ مِنْ مَالٍ، وَمَا زَادَ اللهُ عَبْدًا بِعَفْوٍ إِلَّا عِزًّا، وَمَا تَوَاضَعَ أَحَدٌ لِلَّهِ إِلَّا رَفَعَهُ اللهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(161) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Sadaqaan qabeenya kamuu irraa hin hir'ifne, Rabbiin garbicha tokkoof dhiifama gochuu isaatiif injifannoo malee homaa hin daballe, namni tokkoyyuu Rabbiif jecha gad of qabee Rabbiin ol isa fuudhu malee hin hafu". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sadaqaan qabeenya akka hin hir'ifne ifa galchani, inumaayyuu balaa abbaa isii irraa ittifti, Rabbiin abbaa isiitiif toltuu guddaadhaan bakka buusa, kanaafuu hir'ina osoo hin taane dabalata taati.

Haaloo ba'uu danda'uu waliin yookaan abbaa isaa adabuu danda'uu waliin dhiifama gochuun humnaa fi injifannoo malee homaa hin dabalu.

Namni tokkoyyuu sodaaf, fakkeessaa fi bu'aa wohii irraa barbaaduuf kan hin taane fuula Rabbiitiif jecha of gadi qabee of xinneesse taanaan, mindaan isaa olaantummaa fi kabajaa ta'u malee hin hafu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Toltuu fi milkiin shari'aa hojii irra oolchuu fi khayrii hojjachuun argama, namni gariin faallaa kanaatiin argama jedhee yaadullee.

(5512)

(162) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «قَالَ اللهُ: أَنْفِقْ يَا ابْنَ آدَمَ أُنْفِقْ عَلَيْكَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(162) – Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: Rabbiin ni jedhe: "yaa ilma Aadam kenni anis siifan kennaa». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin ol ta'e akka akkana jedhu himani: yaa ilma Aadam -kennaa dirqamaa fi jaallatamaa irraa- kenni, ani immoo sittan bal'isa waan ati kennites bakkan siif buusa, akkasuma barakaas keessan siif kaa'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadaqaa fi karaa Rabbii keessatti kennachuutti kakaasuutu keessa jira.
2. karaa toltuu keessatti kennachuun barakaan rizqii

keessatti akka ta'uu fi rizqiin dachaa akka ta'uu fi Rabbiin gabrichaaf waan inni kenne bakka isaaf buusisuudhaaf sababaa isa guddaadha.

3. Hadiisni kun hadiisota nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbii isaanii irraa odeessan irraati, hadiisa Al-qudsii yookaan Al-ilaahii jedhamuun waamama, inni isa jechii fi ergaan isaas Rabbiin irraa ta'edha, waan qur'aanni kan biraa irraa ittiin adda ta'e qabaachuu dhabuun adda ta'a malee, akka qara'uun Rabbiin gabbaruu, isaaf xahaaraa godhachuu, isaan morkachuu, raajii ta'uu fi kannee biroo addummaa qur'aanni qabu hin qabu.

(5805)

(163) – عَنْ مَالِكِ بْنِ أَوْسِ بْنِ الْحَدَثَانِ أَنَّهُ قَالَ: أَقْبَلْتُ أَقُولُ مَنْ يَصْطَرِفُ الدَّرَاهِمَ؟ فَقَالَ طَلْحَةُ بْنُ عُبَيْدِ اللهِ وَهُوَ عِنْدَ عُمَرَ بْنِ الْخَطَّابِ رضي الله عنهما: أَرِنَا ذَهَبَكَ، ثُمَّ ائْتِنَا، إِذَا جَاءَ خَادِمُنَا، نُعْطِكَ وَرِقَكَ، فَقَالَ عُمَرُ بْنُ الْخَطَّابِ: كَلَّا، وَاللهِ لَتُعْطِيَنَّهُ وَرِقَهُ، أَوْ لَتَرُدَّنَّ إِلَيْهِ ذَهَبَهُ، فَإِنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «الْوَرِقُ بِالذَّهَبِ رِبًا، إِلَّا هَاءَ وَهَاءَ، وَالْبُرُّ بِالْبُرِّ رِبًا، إِلَّا هَاءَ وَهَاءَ، وَالشَّعِيرُ بِالشَّعِيرِ رِبًا، إِلَّا هَاءَ وَهَاءَ، وَالتَّمْرُ بِالتَّمْرِ رِبًا، إِلَّا هَاءَ وَهَاءَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(163) – Maalik bin Aws bin Al-Hadasaan akkana jedhe: akkas jechaatin as garagale: “Eenyutu dirhama jijjiira? Xalhaa bin Ubeydillaah osoo Umar bin Khaxxaab bira jiruu -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Warqii kee nutti agarsiisi mee, ergasii gara keenya koottu, yeroo khaadimni keenya dhufe meetii kee siif kennina, Umar bin Al-Khaxxaab akkana jedhe:

Lakki, Rabbiin kakadhe, meetii isaa ni kennitaaf ykn warqii isaa ni deebiftaaf, Sababni isaas Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Meetii warqiidhaan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, qamadii qamadiin jijjiiruun dhala, hoodhuu fi as kenniin yoo tahe malee, garbuu garbuun jijiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, timira timiraan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Taabi'iin Maalik bin Aws diinaara warqii akka harkaa qabuu fi dirhama meetiitiin jijjiiruu akka barbaade hima. Xalhaa bin Ubeydillaah -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedheen: Diinaara kee nan ilaalaa as kenni! Achiis erga bitachuuf murteessee booda akkana jedheen: Khaadimni keenya yeroo dhufe gara keenya koottu, akka nuti dirhama meetii siif kenninuuf jecha, Umar bin Al-khaxxaab -Rabbiin irraa haa jaallatu- eddoo sana ture, gocha kana ni morme, amma meetii san akka kennuuf, ykn warqii isaa kan isa irraa fudhate san akka deebisuuf Xalhaatti kakate, sababaa sanaas Ergamaan Rabbii -nagaa fi Rahmanni irra haa jiraatu- gurgurtaan meetii fi warqii, ykn faallaa isaa yeroo raawwatamu kallattiin wal harkaa fuudhinsi akka jiraatuu qabu kan eeran tahuu ibse. Yoo kana hin taane ammoo daldalli kun dhala haraamaa fi gurgurtaa cubbuu taha. Warqiin meetiidhaan hin gurguramu, meetiinis warqiin hin gurguramu, harkaaf harkattii yoo raawwatame malee, akkasumas qamadiin qamadiin, garbuun garbuun, timirri timiraan hin gurguramu, miizaana fi safarrii keessatti yoo wal qixa tahe malee, akkasumas harkatti yoo tahe malee, kana irraa wanti ammaa waan boodatti hin gurguramu, osoo wal harkaa

hin fuunes gargar bahuun hin danda'amu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gosoonni hadiisa kana keessatti ibsaman shani: Warqii, meetii, qamadii, garbuu fi timira. Gurgurtaan waan gosa tokkoo kana keessatti kan raawwatamu yoo ta’e, gurgurtaa sirrii tahuuf ulaagaa lama qabaachu qaba: Eddoo sanatti wal harkaa fudhachuu fi miizaana keessatti wal fakkaataa tahuudha, sunis warqii warqiidhaan akka jijjiiruuti, yoo san hin tahin dhala caalumsaa taha. Yoo garaagarummaan argame Fakkeenyaaf sun akka meetii qamadiin jijjiiruutii, waliigalteen sirrii tahuuf ulaagaa tokko qofa barbaada, innis wal harkaa fuudhachuun yeroo sanaatti ta'uudha, yoo kana hin taane dhala beellamaa taha.
2. Eddoo sanatti yoo jedhamu: eddoo bittaa fi gurgurtaan itti raawwatame jechuu yoo ta'u, taa’aniis ta'ee deemsa irra jiraatanii ykn yaabbii irra yoo jiraatanis tokkuma. Yoo adda bahan jechuun aadatti waan namoota jiddutti adda bahiinsa jedhamee yaadamuudha.
3. Dhoorgaan hadiisa keessatti ibsame akka daldalaattis ta'ee kan biroos ta'ee warqee fi meetii hunda of keessatti kan hammatuu dha.
4. Maallaqa amma yeroo kanatti addunyaan itti fayyadamaa jirtu keessatti wahuma warqee fi meetii keessatti dirqma ta'uutu isa keessattis dirqama ta'a. Kana jechuun qarshii tokko gara qarshii biraatti jijjiiruu yoo barbaadde sun fakkeenyaf akka Riyaala Dirhamatti jijjiiruuti qaamonni lamaan yoo walii galan wal caalchisanii jijjiiruun ni

hayyamama. Garuu bakka daldalli itti raawwatamutti wal harkaa fudhachuun dirqama. Akkas ta'uu baannaan walii galteen isaanii ni bada. Daldalli isaaniis daldala dhalaa kan haraama ta'e ta’a.

5. Daladalli bifa dhalaatin raawwatamu hin hayyamamu, Qaamni lamaan yoo walii galan illee waliigaltichi seera qabeessaa miti. sababni isaas Namni dhuunfaa ykn hawaasni tokko haqa isaa osoo lash godhellee Islaamummaan haqa isaa tiksa waan ta'eef jecha.
6. Warra dandeettii qabaniif badii irra dhoorguu fi irraa ittisuudha.
7. Akkuma Umar bin Al-Khaxxaab -Rabbiin irraa haa jaallatu- godhe, badii yeroo balaaleffatan ragaa waan sanaa ibsuun barbaachisaa tahuudha.

(5889)

(164) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أَيُّهَا النَّاسُ، إِنَّ اللهَ طَيِّبٌ لَا يَقْبَلُ إِلَّا طَيِّبًا، وَإِنَّ اللهَ أَمَرَ الْمُؤْمِنِينَ بِمَا أَمَرَ بِهِ الْمُرْسَلِينَ، فَقَالَ: {يَا أَيُّهَا الرُّسُلُ كُلُوا مِنَ الطَّيِّبَاتِ وَاعْمَلُوا صَالِحًا، إِنِّي بِمَا تَعْمَلُونَ عَلِيمٌ} [المؤمنون: 51] وَقَالَ: {يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا كُلُوا مِنْ طَيِّبَاتِ مَا رَزَقْنَاكُمْ} [البقرة: 172] ثُمَّ ذَكَرَ الرَّجُلَ يُطِيلُ السَّفَرَ أَشْعَثَ أَغْبَرَ، يَمُدُّ يَدَيْهِ إِلَى السَّمَاءِ: يَا رَبِّ، يَا رَبِّ، وَمَطْعَمُهُ حَرَامٌ، وَمَشْرَبُهُ حَرَامٌ، وَمَلْبَسُهُ حَرَامٌ، وَغُذِيَ بِالْحَرَامِ، فَأَنَّى يُسْتَجَابُ لِذَلِكَ؟». [صحيح - [رواه مسلم]

(164) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni

irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Yaa Ilmaan namaa, Rabbiin gaarii dha, waan gaarii malee namarraa hin qeebalu, Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintootas ajaje, Rabbiin akkas jedhe: {Yaa Ergamtoota wantoota gaggaarii irraa nyaadhaa dalagaa gaaris dalagaa, dhugumatti ani waan isin hojjettan hunda beekaadha} [Al-Mu'uminuun: 51]. ammas akkas jedhe: {Yaa warra amantan wantoota gaggaarii nuti isiniif kennine irraa nyaadhaa} [Al-Baqaraa: 172]. Eegasii namicha imala dheeressu kan mataan isaa faaggaa dhukkeen itti baay'atu tokko dubbatan, harka isaa gara samiitti ol qabee Yaa Rabbi, Yaa Rabbi jedha, nyaanni isaa haraama, dhugaatin isaa haraama, uffanni isaas haraama, haraamaanis guddate, akkamitti isaaf awwaatama?». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Rabbiin gaarii, qulqulluu, hanqina fi mudaa irraa bilisa akka ta'e, akkasumas amaloota guutuu ta'an hundaan ibsamaa akka ta'ee fi Hojiilee, jechoota fi amantaa irraa waan gaarii ta'e malee akka hin qeeballe himan, wanta gaarii jechuun isa Rabbiif qulqullii ta'e, kan karaa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irratti ta'eedha, sanaan malee gara Rabbitti dhihaachuun hin malu, irra guddaa wantoota hojiin mu'uminaa isaanin tolu keessaa nyaanni isaa gaarii dalagaa halaal irraa dhufe ta'uudha, Haala kanaan hojiin isaa qulqulluu ta’a, kanaaf eegaa Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintoota ajaje, sunis halaal nyaachuu fi wantoota gaggaarii hojjachuudha, Rabbiin akkas jedhe: {Yaa Ergamtoota waan gaggaarii irraa nyaadhaa dalagaa gaaris dalagaa, dhugumatti ani waan isin hojjettan hunda beekaadha} ammas ni jedhe: {Yaa warra amantan Wantoota

gaggaarii nuti isiniif kennine irraa nyaadhaa}.

Eegasii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, haraama hojii balleessu nyaachuu fi sababoota qeebaltii kan mul'atan keessaa osoo hanga fedhe carraaqellee waan qeebaltii isa dhoorgu irraa akeekkachiisan, sana keessaa:

Tokkoffaa: Karoowwan kheyrii kan akka Hajjii, Jihaadaa, firummaa fufuu fi kan biroo keessatti imala dheeresuudha.

Lammaffaa: Rifeensi isaa waan hin filamneef baay'ee faaggaadha, Halluun isaa fi halluun uffata isaa xurii irraa waan jijjiirameef inni dhiphina keessa jira.

Sadaffaa: Kadhaadhaan harka isaa gara samiitti ol kaasa.

Afraffaa: Maqoota Rabbiitin gara isatti dhihaachuun sana keessatti hoonga gayuun akkana jedha: Yaa Rabbi yaa Rabbi!

Sababoota du'aa'in itti qeebalamu kanneen hojjachuu waliin isaaf hin dhaga'amne; kunis nyaanni, dhugaatii fi uffanni isaa waan haraama ta'eef jecha, akkasumas haraaman waan guddateef jecha, kanaaf nama amala akkanaa qabuuf du'aa'in qeebalamuun ni fagaata, mee akkamitti isaaf awwaatama?!

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rabbiin ol ta'e zaata, amaloota fi murtiiwwan isaa keessatti guutuu ta'uudha.
2. Rabbii ol ta'eef Hojii qulqulleessuu fi Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hordofutti ajajuudha.
3. Waan dalagaa irratti hamalee namatti godhu fayyadamuudha, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhani: "Dhugumatti Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintoota ajaje", Mu'uminni wanti inni ajajame kun waan Ergamtoonni itti ajajaman

irraayii yeroo beeke jajjabaatee ajajamuu irratti hamalee godhata.

4. Du'aa'in akka hin awwaatamne wantoota godhan keessaa haraama nyaachuudha.
5. Sababoota du'aa'iin itti qeebalamu keessaa wantoota shani: tokkoffaan isaanii: Imala dheeressuudha; sababni isaas cabnana nafsee kan irra guddaa sababoota du'aa'iin itti qeebalamu of keessaa waan qabuuf jecha. Lammaffaan: haala cinqii keessa jiraachuudha. Sadaffaan: Harka gara samiitti ol qabachuudha. Afraffaan: Gooftummaa isaa irra deddeebi'anii kaasuun Rabbiin kadhachuu irratti cichuudha, kunis karaalee gurguddaa du'aa'in namaa ittiin awwaatamu keessaa isa tokko dha. Shanaffaan: Nyaataa fi dhugaatii bareeffachuudha.
6. Nyaata halaal gaarii nyaachuun sababoota hojii gaarii hojjachuu irratti nama gargaaran irraayi.
7. Qaadiin akkas jedhe: Wanti Gaariin faallaa fokkotaati, Rabbiin ol ta'e isaan ibsamuuu keessatti wanti yaadame inni mudaa irraa qulqullaa'aa ta'uu fi balaa irraa bilisa ta'uu isaati. Gabrichi haala waliigalaatiin yoo itti ibsame ibsame ammoo inni haalaa amala badaa fi hojiilee fofokkattuu irraa balisa ta'ee faallaa kanneenii kan qabu ta'uu isaati. Qabeenyi yoo itti ibsame ammoo halaala cocollee qabeenyaa irraa ta'uu isaati.

(4316)

(165) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَنْ أَنْظَرَ مُعْسِرًا، أَوْ وَضَعَ لَهُ، أَظَلَّهُ اللهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ تَحْتَ ظِلِّ عَرْشِهِ يَوْمَ لَا ظِلَّ إِلَّا ظِلُّهُ».

[صحيح] - [رواه الترمذي وأحمد]

(165) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namni nama rakkataa yeroo kenneef, yookaan isaaf irraa gadi buuse, guyyaa gaaddisa Isaa malee gaaddisni hin jirre guyyaa qiyaamaatti Rabbiin gaaddisa Arshii Isaa jaalatti isaaf gaaddiddeessa". [sirrii] - [Tirmizii fi Ahmad tu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageeya isaan irratti haa buusu- dhugumatti namni nama rakkataa waa liqeeffate yeroo kennee fi isa eeggate yookaan liqaa isaa sana irraa isaaf waa buuse, mindaan isaa: guyyaa qiyaamaa gaafa aduun mataa gabrootaatti dhihaattee gubaan isaanitti jabaattutti dhugumatti Rabbiin gaaddisa Arshii Isaa jalatti isaaf gaaddiddeessa, Nama Rabbiin isaaf gaaddiddeesse malee namni tokkooyyuu gaaddisa argachuu hin danda'u.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa gabroottan Rabbii ol ta'eetti laaffisuun qabuudha, dhugumatti inni sababoowwan rakkoo guyyaa qiyaamaa jalaa najaa nama baasan irraayi.
2. Mindaan fakkaataadhuma hojiiti.

(4186)

(166) – عن جابر رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «رَحِمَ اللهُ رَجُلًا سَمْحًا إِذَا بَاعَ، وَإِذَا اشْتَرَى، وَإِذَا اقْتَضَى». [صحيح] - [رواه البخاري]

(166) – Jaabir irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namicha yeroo gurguru, yeroo bituu fi yeroo waan liqeesse deebisiifatu laafaa ta'e Rabbiin rahmata isaaf haa godhu". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama gurgurtaa isaa keessatti laafaa fi arjaa ta'e hundaaf rahamataan du'aa'ii godhaniif; Nama bitutti gatii hin jabeessu, akkasumas haala gaariin isa keessummeessa, Laafaa arjaa kennaadha yeroo bitus; gatii cabsee meeshaa hin xinneessu, Akkasumas yeroo liqaa isa kaffaluu gaafatetti laafaa arjaa kennaadha; rakkataa fi haajomaa irratti hin jabeessu, inumaa laphe ba'aa fi suutumaan gaafata, rakkataaf immoo yeroo kennaaf.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kaayyoo shari'aa irraa waan walitti dhufeenya gidduu namootaa tolchu tiksuudha.
2. Gurgurtaa, bittaa fi waan biroo kan hojiilee gidduu namootatti aragaman irraa ta'e keessatti irra ol aantuu akhlaaqaa fayyadamuutti kakaasuudha.

(3716)

(167) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «كَانَ رَجُلٌ يُدَايِنُ النَّاسَ، فَكَانَ يَقُولُ لِفَتَاهُ: إِذَا أَتَيْتَ مُعْسِرًا فَتَجَاوَزْ عَنْهُ، لَعَلَّ اللَّهَ يَتَجَاوَزُ عَنَّا، فَلَقِيَ اللَّهَ فَتَجَاوَزَ عَنْهُ». [صحيح] – [متفق عليه]

(167) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namicha tokko kan namootaaf waa liqeessutu ture, gurbaa isaatiin akkas jedha ture: yeroo rakkataatti dhufte irra isaaf darbi, Rabbiin irra nuuf darbuutu mala, eegasii Rabbiin wol gahee jennaan Rabbiinis irra isaaf darbe". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namicha liqaan namootaa waliin hojjatu yookaan beellamaan isaanitti gurguru irraa dubbatan, Ilma isaa kan liqaa namoota bira jiru sassaabuun akkas jedha ture: Yeroo nama waa liqeeffatee rakkina isaa irraa waan liqaa ittiin kaffalu hin qabne "irra isaaf darbi" yookaan isaaf tursiisuun, akkasumas gafachuu keessatti isatti jabeessuu dhabuun, Yookaan hirdhuu yoo ta'ellee waan inni qabu qeebaluuni, sun kaka'umsa isa irraa ta'ee fi Rabbiin irra isaaf darbuu fi isaaf dhiisuu kajeeluudhaaf jecha. Yeroo inni du'e Rabbiin isaaf dhiisee badiiwwan isaa irra isaaf darbe.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namootaa waliin hojjachuu keessatti isaanitti tola ooluun, dhiifama isaanii gochuunii fi rakkataa isaanii irra darbuuniif irra guddaa sababaawwan guyyaa qiyaamaa garbicha bilisa baasan irraayi.
2. Namootatti tola ooluun, Rabbiif qulqulleessuunii fi rahmata isaa kajeeluun sababoowwan badiin itti namaaf dhiifaman irraayi.

(3753)

(168) – عن خَولة الأنصاريةِ رضي الله عنها قالتْ: سمعتُ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «إِنَّ رِجَالًا يَتَخَوَّضُونَ فِي مَالِ اللهِ بِغَيْرِ حَقٍّ، فَلَهُمُ النَّارُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ».

[صحيح] - [رواه البخاري]

(168) – Khawlaa al-Ansaariyyaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- Nabiyyiidhaa -Rabbii rahmataa fi ngeenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e jette: "Namoota qabeenya Rabbii haqaan maletti akka fedhanitti ittifayyadaman, isaaniif guyyaa qiyaamaa keessatti ibiddaatu jira". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoota qabeenya muslimootaa haqaan maletti akka fedhan godhan, karaan malee kan fudhatan dubbatan, kun qabeenya karaa eeyyamameen alatti walitti qabuu, isa hojjachuu fi iddoo sirrii hin taane keessatti isa baasuu keessatti murtoo wolii galaati, qabeenya yatiimotaa nyaachuun, qabeenya woqfii balleessuun, amaanaa waakkachuu fi haqaan maletti qabeenya walii galaa irraa fudhachuun sana keessa ni gala.

Eegasii mindaan isaanii guyyaa qiyaamaatti ibidda akka ta'e Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qabeenyi harka namootaa jiru qabeenya Rabbiiti, karaa eeyyamame irratti akka baasanuu fi haqaan maletti akka fedhan godhuu irraa akka fagaatanuuf isa irratti bakka

isaan buuse, kun bulchitootaa fi namoota biroo isaan malee jiru hunda ilaallata.

2. Qabeenya ummataa kan wolii galaa keessatti shari'aan haalaan jabeessuu fi namni isa irraa waan tokko irratti itti gaafatamummaa fudhate guyyaa qiyaamaatti akkaataa itti isa wolitti qabee fi akkaataa itti isa baase irraa akka herregamu argisiisa.
3. Akkasuma namni qabeenya isaasa haa ta'uu kan nama biraa akka shari'aan eeyyameen alatti itti fayyadamus sodaachisa kana keessa ni gala.

(5331)

(169) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «قَالَ اللَّهُ: كُلُّ عَمَلِ ابْنِ آدَمَ لَهُ، إِلَّا الصِّيَامَ، فَإِنَّهُ لِي وَأَنَا أَجْزِي بِهِ، وَالصِّيَامُ جُنَّةٌ، وَإِذَا كَانَ يَوْمُ صَوْمِ أَحَدِكُمْ فَلاَ يَرْفُثْ وَلاَ يَصْخَبْ، فَإِنْ سَابَّهُ أَحَدٌ أَوْ قَاتَلَهُ، فَلْيَقُلْ إِنِّي امْرُؤٌ صَائِمٌ، وَالَّذِي نَفْسُ مُحَمَّدٍ بِيَدِهِ، لَخُلُوفُ فَمِ الصَّائِمِ أَطْيَبُ عِنْدَ اللَّهِ مِنْ رِيحِ المِسْكِ، لِلصَّائِمِ فَرْحَتَانِ يَفْرَحُهُمَا: إِذَا أَفْطَرَ فَرِحَ، وَإِذَا لَقِيَ رَبَّهُ فَرِحَ بِصَوْمِهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(169) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Rabbiin akkas jedhe: Sooma malee hojiin ilma Aadam hundi isaaf ta’a, soomni anaaf ta'a, anaatu isaan mindeessa, Soomni gaachana, Guyyaan sooma tokkoo keessanii yeroo argame, waan hin taane hin haasa'in, hin iyyin, namni tokko yoo isa arrabse, ykn yoo loleen ani sooma qaba haa jedhuun, Isa Nafseen Muhammad harka isaa jirtuun kakadhee, urgaa afaan nama soomanaatu urgooftuu miskii caalaa Rabbi

biratti urgaaya, nama soomuf gammachuu lamaatu jira: Yeroo sooma hiike ni gammada, yeroo Rabbii isaa qunname sooma isaatin gammada». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Hadiisa Qudsii keessatti Rabbiin ol ta'e akka akkana jedhe himan:

Hojiin gaariin ilma Aadam hundi dachaa kudhan hanga dachaa dhibba torbaatti baay'ata. Sooma malee; isa keessatti naa argiin waan hin jirreef. inni anaafi, anaatu isa galata galcha, beekumsa hanga mindaa isaa fi dachaa gaariiwwan isaa anaatu kophaa ittiin baha.

Eegasii akkana jedhan: (Soomni gaachana) Eegumsa, girdoo fi ittisa cimaa Ibidda irraa taha; Sababni isaas fedhiiwwanii fi diliiwwan keessatti argamuu irraa of qabuu waan ta'eef jecha, ibiddi immoo fedhiiwwaniin marfamtuudha.

(Kanaaf guyyaan sooma tokkoo keessanii yeroo ta'e, waan hin taane hin dubbatin) Walqunnamtii saalaa, jechoota seensa isaati fi walumaa galatti dubbii fokkotaa keessa galuun waan hin taane hin hojjetin.

(Hin iyyin) sunis walfalmii fi iyyansaan.

(Namni tokko yoo isa arrabse ykn isaan lole) Ramadaana keessatti akkas haa jedhu: Ani nama sooma qabu; waan san irraa deeb'uun isaa waan maluuf jecha, Yoo dhugaan lola malee dide, waan salphaan eegasii waan salphaan isa ofirraa haa deebisuu, akka nama nama miidhuu dhufeetti jechuudha.

Eegasii isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sababaa soomaatiin jijjiiramni foolee afaan nama sooma qabuu guyyaa qiyaamaa Rabbiin biratti miskii isin bira jiru caalaa akka urgaayu fi miskii jum'aa fi walgayii zikrii irratti gorfamu caalaa

akka mindaa qabu Isa lubbuun isaanii harka isaa jiruun kakatan.

nama sooma qabuuf gammachuu lama tan isaan gammaduutu jira: yeroo sooma isaa hiiku faxaree beela fi dheebuun irraa deemuun gammada waan sooma hiikuun isaaf hayyamameef jecha, akkasumas soomni isaa guutamuu, ibaadaan isaa xumuramuu, laaffisuu Rabbii isaa irraa tahee fi sooma isaa gara fuula duraatiifis gargaarsa qaba waan ta'eef gammada.

(Yeroo Rabbii isaa waliin wal argu immoo sooma isaatti gammada) mindaa fi badhaasa waan argatuuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa soomni qabuu fi inni addunyaa kana irratti fedhii ofii jala deemuu irraa, aakhiraatti immoo adabbii ibiddaa irraa akka saahiba isaa eeguudha.
2. Naamusaalee soomaa keessaa dubbii fokkataa fi waan bu'aa hin qabne dhiisuudha, akkasumas miidhaa namootaa irratti obsuu fi arrabsoo isaanii obsaa fi gaarummaadhaan deebisuudha.
3. Namni soomu ykn Rabbiin gabbaru tokko, sababaa ibaadaa isaa guutee xumuruutin yoo gammade sun mindaa isaa kan aakhiraa irraa homaa hin hir’isu.
4. Gammachuun guutuun Rabbii ol ta'een wal arguudha, yeroo namoonni obsa qabanii fi sooman mindaan isaanii osoo hin herregamin kennamuuf.
5. Yeroo barbaachisaa ta’ee fi dhimma tokko tokkoof kheyrii kee namoota beeksisuun naa argii irraayii miti, akkuma jedhamu: (Ani sooma qaba).
6. Namni soomu kan soomni isaa guutuu ta'e isa qaamni isaa

diliiwwan irraa of qusate, kan arrabni isaa soba, waan fokkotaa fi jecha cubbuu irraa callisee fi nama garaan isaa nyaata fi dhugaatii irraa agabuu ooleedha.

7. Osoo sooma irra jiran sagalee ol kaasuu, walfalmii fi waca garaagaraa irraa dhoorguu gadi jabeessuudha, yoo akkana hin jenne namni sooma hin qabnis sana irraa dhoorgamaadha.
8. Hadiisni kuni Hadiisowwan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Rabbii isaanii irraa odeessan keessaa isa tokkoodha, inni Hadiis al-qudsii ykn Hadiis al-ilaahii jedhama. Inni Hadiisa jechi isaa fi hiikni isaa Rabbiin biraa ta'eedha, Haa ta'u malee amaloota Qur'aanni waan biraa irraa adda itti tahe hin qabu, kan akka qara'uu/dubbisuu isaatiin Rabbiin gabbaruu, isaaf of qulqulleessuu, isaan morkachuu, dinqii fi kkf.

(3546)

(170) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَنْ صَامَ رَمَضَانَ إِيمَانًا وَاحْتِسَابًا غُفِرَ لَهُ مَا تَقَدَّمَ مِنْ ذَنْبِهِ» [صحيح] - [متفق عليه]

(170) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Dirqamummaa isaa amanee akkasuma mindaa isaa Rabbiin irratti herregatee namni ji'a Ramadaanaa soome badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti Rabbitti amanuuf jecha, dirqamummaa

soomaa, gatii guddaa fi mindaa irraa waan Rabbiin ol ta'e worra soomaniif qopheesse dhugoomsuuf jecha, haala fuula Rabbii ol ta'ee kajeelaa ta'een, kan argisiifannaa fi na dhaga'aan keessa hin jirre namni ji'a Ramadaanaa soome badiiwwan isaa kan darban isaaf dhiifaman jechuudha himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ramadaana soomuu fi waan biroo kan hojiilee gaggaarii irraa ta'e keessatti sadarkaa ikhlaasni qabuu fi barbaachisummaa isaati.

(4196)

(171) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: أَوْصَانِي خَلِيلِي صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ بِثَلاَثٍ: صِيَامِ ثَلاَثَةِ أَيَّامٍ مِنْ كُلِّ شَهْرٍ، وَرَكْعَتَيِ الضُّحَى، وَأَنْ أُوتِرَ قَبْلَ أَنْ أَنَامَ. [صحيح - [متفق عليه]

(171) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Jaalalleen koo -Nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan sadii akkan hojjedhu naaf dhaaman: ji'a ji'aan guyyaa sadii soomuu, raka'aa lamaan salaata Duhaa salaatuu fi osoon hin rafiin dura salaata witrii salaatuudha. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Abuu Hureyraan -Rabbiin irraa haa jaallatu- jaalatamaa fi saahibni isaa Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wantoota sadii akka isaaf dhaaman hima:

Tokkoffaa: ji'a ji'aan guyyaa sadii soomuudha.

Lammaffaa: Guyyaa guyyaan raka'aa lama Duhaa salaatuudha.

Sadaffaa: Hirriiba dura salaata witrii salaatuudha, Kunis nama halkan dhuma irratti hin dammaqu jedhee sodaateefi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Garaagarummaan dhaamsa Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sahaabota isaanitiif dhaamanii: Haala sahaabotaa fi waan tokko tokkoon isaanif malu beekuu isaanii irratti hundaa'a, nama jabaa humna qabu jihaadatu isaaf mala, nama Rabbiin gabbaruuf ibaadatu mala, nama hayyuu immoo beekusaatu malaaf, akkanumatti itti fufa.
2. Ibnu Hajar Al-Asqalaaniin jecha isaa kan akkana jedhu ilaalchisee: (Ji’a hunda keessaa guyyaa sadii soomuu): inni namaaf mul'atu wanni guyyoota kanatti fedhamaan guyyoota adii ta'uudha (Ayyaamul biid) isaanis: ji’a hijraa irraa guyyaa kudha sadaffaa, kudha afraffaa fi guyyaa kudha shanaffaati.
3. Ibnu Hajar Al-Asqalaaniin akkana jedhe: Hirriiba dura salaata witrii salaatuun barbaachisaa ta’uu agarsiisa, sun immoo nama dammaquuf ofitti amanamummaa hin qabneefi.
4. Barbaachisummaa hojiilee sadan kanneeniti; sababni isaas Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sahaabota isaanii irraa namoota hedduudhaaf waan sana dhaamaniif jecha.
5. Ibnu Daqiiq Al-Iid jecha isaa kan akkana jedhu ilaalchisee:(Raka’aa lamaan Duhaa) akkana jedhe: Tarii asitti raka'aa xiqqaa salaatamuu qabutu dubbatame ta’a, Kunis salaata Duhaa salaatuun jaalatamaa ta’uu fi xiqqaan isaa raka’aa lama ta’uu agarsiisa.

6. Yeroon salaata Duhaa: Erga aduun baatee gara sa'aatii ruubii booda, hanga tilmaamaan daqiiqaa kudhan salaata Zuhrii duratti dheerata, baay'inni raka'aa isaa: inni xiqqaan raka'aa lama, irra baay'ee isaa keessatti hayyoota giddutti wal dhabdeen argameera; Raka'aa saddeet jedhame, irra baay'een isaa daangaa hin qabus jedhame.
7. Yeroon salaata witrii: Salaata Ishaa'ii boodaa kaasee hanga fajriin bahutti, irra xiqqaan isaa raka'aa tokko, baay'een isaa immoo raka'aa kudha tokko.

(4538)

(172) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَنْ يَقُمْ لَيْلَةَ الْقَدْرِ إِيمَانًا وَاحْتِسَابًا غُفِرَ لَهُ مَا تَقَدَّمَ مِنْ ذَنْبِهِ» [صحيح] - [متفق عليه]

(172) – Abuu hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Haala Rabbitti amanee fi mindaa isa irratti herregateen namni halkan laylatulqadrii dhaabbate, badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- laylatulqadrii Ramadaana irraa kudhanan boodaa keessatti taatu sadarkaa isii salaataan dhaabbachuun qabu himan, akkasumas dhugumatti isii fi isii keessatti waan dhufetti haala amanaa ta'een, hojii isaatiin mindaa Rabbii ol ta'ee haala kajeelaa ta'een, na argaa fi na dhaga'aan maletti, salaatuun, kadhannaan, Qur'aana qara'uu fi zikriin namni isii keessatti tattaafate badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifamaadha himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa laylatul qadriin qabduu fi isii salaataan dhaabbachuutti kakaasuudha.
2. Hojiiwwan gaggariin niyyaa gaariin woliin malee hin qeebalamtu.
3. Tola Rabbii fi rahmata Isaati, dhugumatti namni halkan laylatul qadrii haala Rabbitti amanee fi isa irratti herregateen dhaabbate, badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama.

(4202)

(173) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: سمعتُ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «مَنْ حَجَّ لِلَّهِ فَلَمْ يَرْفُثْ وَلَمْ يَفْسُقْ رَجَعَ كَيَوْمِ وَلَدَتْهُ أُمُّهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(173) – Abbaa Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyii isaanii akkana jedhuun dhaga'e -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaanii irratti haa buusu-: "Namni hajjii godhee qunnamtii saalaa isa keessatti hin raawwatin, akkasumas kan hin fincilin (ajaja Rabbiitiin ala kan hin bahin) akka guyyaa haati isaa isa deesseetti deebi'a'.' [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa kana keessatti akkana jechuudha ibsan: namni Rabbii ol ta'eef hajjii godhe osoo isa keessatti qunnamtii saalaa hin raawwatin, rafasa jechuun qunnamtii saalaatii fi adda duree isaa kan akka dhungoo fi walitti dhiheenya qaamaati, akkasuma jechi badaanis rafasa ni jedhama.

Akkasuma namni Rabbii ol ta'eef hajjii godhe osoo ajaja

Rabbii hin faallessine, diliiwwanii fi badiiwwan hojjachuun, ajaja Rabbii faallessuu irraa dhoorgaawwan ihraamaa hojjachuudha, hajjii isaa irraa diliin isaa hundi haala isaaf dhiifameen deebi'a, akka daa'imni badiiwwan irraa qulqulluu ta'ee dhalatutti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ajaja Rabbii faallessuun yeroo hundumaa dhoorgaa ta'us, sirna hajjii keessatti kabajaa ibaadaawwan hajjiif jecha isa irraa dhoorguun jabaadha ta'a.
2. Ilmi namaa dilii irraa qulqulluu ta'ee badiin maletti dhalata, dogongora nama biraas hin baadhatu.

(2758)

(174) – عَنْ أَبِي الحَوْرَاءِ السَّعْدِيِّ قَالَ: قُلْتُ لِلْحَسَنِ بْنِ عَلِيٍّ رضي الله عنهما: مَا حَفِظْتَ مِنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ؟ قَالَ: حَفِظْتُ مِنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «دَعْ مَا يَرِيبُكَ إِلَى مَا لاَ يَرِيبُكَ، فَإِنَّ الصِّدْقَ طُمَأْنِينَةٌ، وَإِنَّ الكَذِبَ رِيبَةٌ».

[صحيح] - [رواه الترمذي والنسائي وأحمد]

(174) – Abuu Al-Hawraa Assa'adii irraa akka odeeffametti akkana jedhe: akkana jedhe: Al-Hasan bin Aliyyiitin -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu- akkanan jedheen: Ergamaa Rabbii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- maal haffazte/sammutti qabatte? innis ni jedhe: Ergamaa Rabbii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kanan haffaze: «Wanta si shakkitu dhiisii, gara waan si hin shakkisiifnee deemi, dhugumatti dhugaan tasgabbii dha, sobni immoo shakkii dha».

[sirrii] - [Tirmizii, Nasaa'ii fi Ahmad tu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- jechoota fi gochoota irraa waan dhoorgama moo mitii, haraama moo ykn halaalii keessatti shakkitu dhisanii gara waan shakkii hin qabne kan gaarummaa fi halaalummaan isaa mirkanaa'ee dabutti ajajaniiru, sababni isaas qalbiin isatti waan tasgabbaa'uf jecha, waan shakkiin isa keessa jiru immoo qalbiin irraa dhiphatee jeeqama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Muslimni waan shakkii qabu dhiisee dhimmoota isaa waan mirkanaa'ina qabu irratti hundaa'ee hojechuun barbaachisaa akka ta'eedha, akkasumas amantii isaa irratti hubannoo cimaa qabaachuu akka qabuudha.
2. Waan halaalaa fi haraama ta'uu shakkan keessatti kufuu irraa dhoorguudha.
3. Yoo tasgabbii fi haragalfannaa barbaadde, shakkamaa dhiisii cinatti darbi.
4. Rabbiin gabroota isaatif akka rahmata godheedha, waan tasgabbii sammuu fi lubbuu isaanitiif fidu akka hojjetan isaan ajajee, waan yaaddoo fi burjaajii isaan irratti fidu irraa isaan yeroo dhoorge keessatti.

(4564)

(175) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ اللهَ لَا يَنْظُرُ إِلَى صُوَرِكُمْ وَأَمْوَالِكُمْ، وَلَكِنْ يَنْظُرُ إِلَى قُلُوبِكُمْ وَأَعْمَالِكُمْ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(175) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Rabbiin suuraa keessanii fi qabeenya keessan hin ilaalu, garuu kan Inni ilaalu qalbii keessanii fi hojii keessani". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin ol ta'e suuraa gabrootaa fi qaama isaanii, isiin bareedduudha moo yookaan fokkattuudha? isiin guddoodha moo yookaan xiqqoodha? isiin fayyaadha moo yookaan dhukkubsattuudha? jedhee akka hin ilaalle ifa galchan. Akkasumas qabeenya isaani, isiin hedduudha moo yookaan muraasa? jedhee hin ilaalu Rabbiin injifate ol ta'e gabroottan Isaa wantoota kanaa fi isaan keessatti wal caaluu isaaniitiin isaan hin herregu, garuu kan ilaalu gara qalbii isaaniitii fi taqwaa, yaqiina, dhugummaa fi ikhlaasa isii keessa jiru ilaala, yookaan argisiifannaa fi na haa dhaga'anii fedhe moo maal fedhe jechuu ilaala, akkasumas hojii isaanii gaarii ta'uu fi badaa ta'uu isii ilaala, isii irratti mindaa fi ajriis kenna.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haala jibbamaa hunda irraa qalbii tolchuu fi isii qulqulleessuutti xiyyeeffachuudha.
2. Qalbiin toluun ikhlaasaan ta'a, hojiin toluun immoo Nabiyyii hordofuun ta'a -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan lameentu iddoo Rabbiin ol ta'e ilaaluu fi isa biratti yaada keessa galanuudha.
3. Ilmi namaa qabeenya isaa, bareedina isaa, qaama isaatii fi haala duuniyaa kana irratti muldhatu tokkoonuu

gowwoomuu hin qabuudha.

4. Keessoo osoo hin tolchin waan bakkeetti muldhatu qofa irratti hirkachuu irraa sodaachisuudha.

(4555)

(176) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قال: قال رَسُولُ اللهِ صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ اللهَ يَغَارُ، وَإِنَّ الْمُؤْمِنَ يَغَارُ، وَغَيْرَةُ اللهِ أَنْ يَأْتِيَ الْمُؤْمِنُ مَا حَرَّمَ عَلَيْهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(176) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Dhugumatti Rabbiin ni hinaafa, muuminnis ni hinaafa, hinaaffaan Rabbii immoo mu'uminni waan Rabbiin isa irratti haraama godhe hojjachuudha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkuma mu'umanni hinaafee jibbu, Rabbiinis hinaafee jibba, sababni hinaaffaa Rabbii ammoo mu'uminni gocha safuu hin qabne (haraama) kan akka saalqunnamtii haraamaa, dhiirti dhiira qunnamuu, hannaa, dhugaatii alkoolii dhuguu fi badii biroo raawwachuu akka ta'e himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhoorgaan Isaa yeroo sarbametti dallansuu Rabbiitii fi adabbii Isaa irraa of eeggachuun barbaachisaa akka ta'eedha.

(3354)

(177) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «اجْتَنِبُوا السَّبْعَ الْمُوبِقَاتِ»، قَالُوا: يَا رَسُولَ اللهِ وَمَا هُنَّ؟ قَالَ: «الشِّرْكُ بِاللهِ، وَالسِّحْرُ، وَقَتْلُ النَّفْسِ الَّتِي حَرَّمَ اللهُ إِلَّا بِالْحَقِّ، وَأَكْلُ الرِّبَا، وَأَكْلُ مَالِ الْيَتِيمِ، وَالتَّوَلِّي يَوْمَ الزَّحْفِ، وَقَذْفُ الْمُحْصَنَاتِ الْمُؤْمِنَاتِ الْغَافِلَاتِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(177) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: «Torban balleessituu taate irraa fagaadhaa» ni jedhan (sahaaboonni): yaa Ergamaa Rabbii maali isaan? Isaanis ni jedhan: «Rabbitti shaarrakuu, haqaan maletti lubbuu Rabbiin haraama godhe ajjeesuu, dhala nyaachuu, qabeenya yatiimaa nyaachuu, guyyaa lolaa baqachuu fi shamarran mu'umintootaa tikfamoo ta'an kan haraama quba hin qabne maqaa isaanii baalagummaan xureessuudha». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Rasuulli Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata isaanii dilii fi badiiwwan balleessituu taate torba irraa akka fagaatan ajajan, isiin maali jedhamee yeroo gaafatamanitti? ifa isii godhanii himan, isiinis:

Tokkoffaan: Rabbitti waan biraa qindeessuudha, bifa kamiinuu ta'u fakkaataa fi hiriyaa isaaf taasisanii, gosa gabbartii irraa isa kamuu waan Rabbbiin malee jiruuf dabarsanii kennuudha, shirkiin waan irra guddaa badii ta'eef jecha isaan eegalan.

Lammaffaan: falfala -inni waan hidhaa, ruqaa, dawaa fi aarsuu irraa ta'edha- inni nama falfalli itti godhame ajjeesuun,

ykn dhukkubsuun qaama isarratti dhiibbaa fida, ykn haadha manaa fi abbaa manaa adda baasa, inni hojii shayxaanaati, irra hedduun isaa shirkii fi lubbuuwwan badduutti waan isiin jaallattuun itti dhihaachuun malee itti hin ga'amu.

Sadaffaan: lubbuu Rabbiiin isii ajjeessuu irraa dhoorge karaa shari'aan eeyyamu kan bulchaan raawwatuun alatti ajjeesuudha.

Afraffaan: nyaachuunis ta'ee, yookaan karaa biraatiin itti fayyadamuun ta'ee dhala (ribaa) fudhachuudha.

Shanaffaan: qabeenya ijoollee xiqqoo osoo inni hin baallaghin abbaan isaa du'etti daangaa darbuudha.

Ja'affaan: lola kaafiraan woliinii irraa dheeysuudha.

Torbaffaan: shamarran bilisa ta'an kan sagaagalummaa irraa tikfamoo ta'an maqaa xureessuudha, akkasuma dhiiras maqaa xureessuun.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Badiiwwan gurguddoon torba qofaan hin daangeffamtu, isii kana addatti dubbachuun waan isiin guddoo fi hamtuu taateef jecha.
2. Haqaaan yoo ta'e lubbuu ajjeesuun eeyyamamuu hadiisicha irraa hubanna, sun akka gumaa baasuu, amantaa irraa garagaluu fi eega fuudhanii sagaagalummaa hojachuudhaati, sana bulchaa shari'aatu hojii irra oolcha.

(3331)

(178) – عن أبي بكرة رضي الله عنه قال: قال النَّبِيُّ صلى الله عليه وسلم: «أَلَا أُنَبِّئُكُمْ بِأَكْبَرِ الْكَبَائِرِ؟» ثَلَاثًا، قَالُوا: بَلَى يَا رَسُولَ اللهِ، قَالَ: «الْإِشْرَاكُ بِاللهِ، وَعُقُوقُ

الْوَالِدَيْنِ» وَجَلَسَ وَكَانَ مُتَّكِئًا، فَقَالَ: «أَلَا وَقَوْلُ الزُّورِ»، قَالَ: فَمَا زَالَ يُكَرِّرُهَا حَتَّى قُلْنَا: لَيْتَهُ سَكَتَ. [صحيح] - [متفق عليه]

(178) – Abuu Bakraa irraa odeefamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: “Dammaqaa! cubbuu gurguddaa isiniif himuu?” Yeroo sadii akkana jedhan, Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii nuuf himaa, ni jedhan: "Allaahitti sharraksiisuu fi haadhaa fi abbaaf galata dhabuudha" irkatanii turanii ol jedhanii taa'anii akkana jedhan: "Dammaqaa! ammaas Haasaa sobaati", ni jedhe: Osoo callisanii hanga nuti jennutti isii deddeebisuu irraa hin deemne. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waa’ee dilii gurguddaa sahaabota isaanitti himani, waa sadan kana eeraniiru:

1.Allaahitti Sharraksiisuu: innis gosoolee ibaadaa keessaa gosa kamiyyuu Allaahin alatti kan biraaf kennuudha, akkasumas gabbartii, gooftummaa, maqoolee fi sifoowwan Isaa keessatti Allaahitti waan biraa qixxeessuudha.

2. Haadhaa fi Abbaaf galata dhabuudha: Kunis Miidhaa kamiiyyuu Dubbiidhaanis ta’ee gochaan qaqqabsiisuudha, akkasumas gara laafessa isaaniif ta’uu dhiisuudha.

3. Ragaa sobaa dabalatee jecha sobaati: Kunis hunduma jecha sobaa fi kijibaa kan namicha irratti jedhame horii isaa fuudhuun ykn kabajaa isaa balleessuun daangaa irratti darbuun ykn kan sana faakkaatuun isa miidhuun itti yaadameedha.

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jecha sobaa irraa sodaachisuu dhugumatti itti deddeebi'anii dubbaatani, fokkina isaati fi dhiibbaa badii kan inni hawaasa irratti qabu akeekkachiisuuf jecha, hanga sahaabonni isaanii akkana jedhan takkatti: silaa osoo ofirraa callisanii; isaanif dhiphachuu fi isaan rakkisuu sodaaf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Irra guddaan cubbuu shirkii dha; sababni isaas cubbuu hunda caalaa hamaa fi guddaa waan ta'eef jecha, kana kan mirkaneessu jecha Rabbii ol ta'eeti: {Dhugumatti Rabbiin wanni biraa Isatti qindeeffamuu hin araaramu, waan sanaa gadii nama fedheef ni dhiisa}.
2. Haqni haadha fi Abbaa guddaa ta'uudha; sababni isaas waan haqni isaan lamaanii haqa Rabbii ol ta'etti qindaa'ee dhufeef jecha.
3. Cubbuun cubbuu gurguddaa fi xixiqqaa jedhamee kan qoodamu yoo ta'u, cubbuun gurguddaan immoo: hunda dilii isa keessa adabbiin biyya duniyaa akka haddii fi abaarsaa, ykn doorsisa aakhiraa kan akka doorsisa Jahannam seenuu jiruudha, cubbuun gurguddaan sadarkaa sadarkaan jira, gariin isii haraamummaa keessatti garirra cimaadha, cubbuun xixiqqoon immoo waan cubbuu gurguddaan alatti jiruudha.

(2941)

(179) – عن عبد الله بن عمرو بن العاص رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «الْكَبَائِرُ: الْإِشْرَاكُ بِاللهِ، وَعُقُوقُ الْوَالِدَيْنِ، وَقَتْلُ النَّفْسِ، وَالْيَمِينُ الْغَمُوسُ».

[صحيح] - [رواه البخاري]

(179) – Abdallaa ilma Āmrii ilma Āas irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: “Cubbuuwwan gurguddoon: Rabbitti waan biraa qindeessuu, Haadhaa fi Abbaaf Galata dhabuu, Lubbuu ajjeesuu fi kakuu sobaa kakachuudha”. [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- diliiwwan gurguddoon maal akka ta'an ibsan, isaanis diliiwwan duniyaatti ykn aakhiraatti nama isii hojjateef akeekkachiisni cimaan keennameefiidha.

Kan duraa: Allaahitti Sharraksiisuudha: innis gosoowwan ibaabaa irraa gosa kamiyyuu Allaahin alatti kan biraaf kennuudha, akkasumas gabbartii, gooftummaa, maqoolee fi sifoowwan Isaa keessatti waan uumama Isaa irraa Rabbiin adda godhu keessatti waan biraa Rabbitti qixxeessuudha.

Inni lammaffaa “haadha fi Abbaaf galata dhabuu”: innis dubbiinis ta’ee gochaan hunduma waan haadhaa fi abbaa irratti miidhaa geessisuu fi isaanitti tola ooluu dhiisuudha.

Inni sadaffaan seeraan ala “Lubbuu ajjeesuudha”: sun akka haqa malee fi gara jabinaan ajjeesuuti.

Inni afraffaan “kakuu cuuphuuti”: innis soba ta’uu isaa osoo beekuu sobaan kakatuudha. Kakuu cuuphuu kan jedhameef nama isa raawwate dilii ykn ibidda keessatti waan cuuphuuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kakuun sobaa kaffaaraa hin qabuudha; sababni isaas balaa fi yakki isaa guddaa waan ta'eef jecha, kan danda'amu irraa tawbachuu qofa.

2. Hadiisa keessatti diliiwwan gurguddoo afran kana kaasuun isii daangeessuuf osoo hin taane cubbuun isii waan guddaa ta'eef jecha.
3. Diliiwwan dilii gurguddaa fi xixiqqaa jedhamee kan qoodamu yoo ta’u, diliin gurguddaan immoo: Dilii isa keessa adabbiin biyya addunyaa, kan akka adabbii(haddii) fi abaarsaa jiruudha, ykn doorsisa Aakhiraa, kan akka ibidda seenuun doorsisuu isa keessa jiruudha, diliin gurguddaan sadarkaa sadarkaan jira, isaan keessaa gariin haraamummaa keessatti kan biraa caalaa ciccimoodha, diliiwwan xixiqqoo jechuun diliiwwan gurguddaan ala kan jiruudha.

(3044)

(180) – عَنْ عَبْدِ اللهِ بنِ مَسْعُودٍ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أَوَّلُ مَا يُقْضَى بَيْنَ النَّاسِ يَوْمَ الْقِيَامَةِ فِي الدِّمَاءِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(180) – Abdullah bin Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhani: “Guyyaa Qiyaamaa jalqaba wanti isa keessatti gidduu namootatti murtiin godhamuu dhiiga". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- guyyaa qiyaamaa miidhaa namoonni gariin garii isaanii irratti hojjate ilaalchisee jalqaba wanti namoota giddutti murtii godhamuu dhiiga akka ajjeesuu fi madeessuu akka ta'e himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhimmi dhiigaa guddaa ta'uudha, sababni isaas jalqabni waan irra yaachisaa ta'een waan ta'uuf jecha.
2. Diliin akka guddina badii raawwatamteetiin guddataadha, lubbuu qulqulluu balleessuun badiilee gurguddoo keessaa isa tokko yoo ta'u, kafaruu fi Rabbii ol ta'etti qindeessuu malee wanti isa caalu hin jiru.

(2962)

(181) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ قَتَلَ مُعَاهَدًا لَمْ يَرَحْ رَائِحَةَ الْجَنَّةِ، وَإِنَّ رِيحَهَا تُوجَدُ مِنْ مَسِيرَةِ أَرْبَعِينَ عَامًا».

[صحيح] - [رواه البخاري]

(181) – Abdullaah ilma Amrii irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Namni nama muslimoota waliin walii galteen jiraatu ajjeese urgooftuu Jannataa hin argu urgooftuun ishees fagoo waggaa afurtamaa irraa argama". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa haa jiraatu- nama nama walii galtee muslimtoota waliin qabu ajjeesse -innis kaafiroota irraa walii galtee nageenyatiin nama gara biyya islaamaa dhufe- urgooftuu jannataa arguu dhabuun doorsisni cimaan akka isa irra jiru ibsan, urgaan jannataa fageenya imala waggaa afurtamaa irraa akka dhahuus dubbataniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kaafiroota irraa mu'aahad, zimmiyyii fi musta'aman

ajjeesuun haraama yoo ta'u, innis diliiwwan gurguddoo irraa akka ta'eedha.

2. Mu'aahad jechuun: Nama kaafiroota irraa walii galteen irraa fuudhamee biyya isaa keessa jiraatu, kan Muslimootan hin lolle, isaanis isaan kan hin lolleedha.
3. Zimmiyyii jechuun: nama biyya muslimootaa keessa qubatee gibira kaffalaa jiraatuu dha.
4. Musta'aman jechuun: nama yeroo murtaa'eef walii galtee nageenyatiin biyya muslimootaa seeneedha.
5. Namoota Muslima hin taane waliin walii galtee diiguu/ganuu irraa akeekkachiisuudha.

(64637)

(182) – عن جُبَير بن مُطْعِم رضي الله عنه أَنَّهُ سمع النَّبِيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «لَا يَدْخُلُ الْجَنَّةَ قَاطِعُ رَحِمٍ». [صحيح] - [متفق عليه]

(182) – Jubayr ilma Mux'im irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- inni Nabiyyiidhaa -Rabbiin rahmataafi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuu dhaga'e: "Firooma kutaan jannata hin seenu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataafi nageenya isaan irratti haa buusu- namni haqa firoota isaa kan isaaniif dirqama ta'e isaan irraa kute yookaan azaa isaan godhee isaanitti balleesse, inni jannata seenuu dhabuu haqa godhataadha himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Firooma kutuun badii guddoo badiiwwan gurguddoo irraa

lakkaawamtuudha.

2. Firooma fufuun akkaataadhuma beekamuun ta'a, wal dhabiinsa iddoo, yeroo fi namootaatiin wol dhaba.
3. Firooma fufuun ziyaaraadhaan, sadaqaadhaan, isaanitti tola ooluun, dhukkubsattoota gaafachuun, toltuutti isaan ajajuun, hamtuu irraa isaan dhoorguu fi kan sana fakkaatan birootiin ta'a.
4. Firooma kutuun hanguma firummaan dhihaatuun diliin isaas haalaan jabaa ta'a.

(5367)

(183) – عن أنس بن مالك رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ أَحَبَّ أَنْ يُبْسَطَ لَهُ فِي رِزْقِهِ، وَيُنْسَأَ لَهُ فِي أَثَرِهِ، فَلْيَصِلْ رَحِمَهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(183) – Anas ilma Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Namni rizqiin isaa akka ballifamuuf, umuriin isaa akka dheereffamuuf barbaade, firooma isaa haa fufu (maxxanfatuu)". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ziyaaraan, gargaarsa qaamaa fi qabeenyaatii fi kan birootiin firoowwan fufuutti kakaasani, isiin rizqiin bal'achuu fi umuriin dheerachuuf sababaadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Firooma jechuun firoowwan karaa abbaa fi haadhaatiin jiranuudha, hanguma fira irra dhihoo ta'een fufuutti irra

caalaa ta'a.

2. Mindaan fakkaatadhuma hojiiti, namni firummaa isaa gaarii fi toltuun fufe, Rabbiin immoo rizqii isaatii fi umurii isaati isaaf fufa.
3. Firooma fufuun rizqiin diriirfamuu fi bal'ifamuuf sababaadha, akkasumas dheerachuu umuriitiifis sababaadha, umurii fi rizqiin murtaa'aa yoo ta'ellee garuu barakaan rizqii fi umurii keessatti godhamuun ta'a, umurii isaa keessatti waan namni biraa hojjatu kan caaluu fi irra kan bu'aa qabu hojjata, akkasumas umurii fi rizqiin dabaluun dabaliinsa dhugaatis jedhameera. Rabbuma qofaatu beeka.

(5372)

(184) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «لَيْسَ الْوَاصِلُ بِالْمُكَافِئِ، وَلَكِنِ الْوَاصِلُ الَّذِي إِذَا قُطِعَتْ رَحِمُهُ وَصَلَهَا». [صحيح] - [رواه البخاري]

(184) – Abdullaah ilma Amrii irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Firooma fufaan waan isaaf godhan irratti galata kan deebisu osoo hin taane, garuu firooma fufaan isa yeroo firummaan isaa muramte isii fufuudha". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuu himan: Dhugumatti firooma fufuu fi firatti tola ooluu keessatti namni guutuun nama toltuu toltuun

deebisuu miti, Dhugumatti firooma fufaan kan firooma fuufuu keessatti guutuu ta'e isa yeroo firoomni isaa muramte isii fufuudha, yoo isatti balleessanillee; inni immoo isaanitti tola ooluun isaaniif deebisa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Firooma fufuun shari'aa keessatti fudhatama qabu kan si mure fufuudha, nama si miidheef irra darbuu fi nama si dhoorgateef kennuudha malee fufuu galata deebisuutii fi kafallaatii miti.
2. Firooma fufuun toltuu irraa qabeenya, du'aa'ii, toltuutti ajajuu, hamtuu irraa dhoorguu fi kan kana fakkaatan qaqqabsiisuun ta'a, akkasumas waan danda'ameen hamtuu isaan irraa deebisuun ta'a.

(3854)

(185) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قال: «أَتَدْرُونَ مَا الْغِيبَةُ؟»، قَالُوا: اللهُ وَرَسُولُهُ أَعْلَمُ، قَالَ: «ذِكْرُكَ أَخَاكَ بِمَا يَكْرَهُ»، قِيلَ: أَفَرَأَيْتَ إِنْ كَانَ فِي أَخِي مَا أَقُولُ؟ قَالَ: «إِنْ كَانَ فِيهِ مَا تَقُولُ فَقَدِ اغْتَبْتَهُ، وَإِنْ لَمْ يَكُنْ فِيهِ فَقَدْ بَهَتَّهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(185) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Komiin (hamti) maal akka ta'e beektuu?", Rabbii fi Ergamaa Isaatu beeka jedhan, Isaanis ni jedhan: "Obboleessa kee waan inni jibbuun dubbachuudha", wanti ani jedhu obboleessa koo keessa yoo jiraate hoo? jedhame, isaanis ni jedhan: "wanti ati jettu isa keessa jira yoo

ta'e dhugumatti isa komatteerta, wanti ati jettu isa keessa hin jiru yoo ta'e immoo isa irratti kijibdeerta". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- maalumma komii (hamii) haraama taatee ifa galchan, isiin: muslima si bira hin jirre waan inni jibbuun dubbachuudha, haala isaa uumamaa, yookaan haala isaa amalaa ta'ee, akka ballaa, gowwoomsaa, kijibaa fi wantoota arraba of keessaa qaban irraa waan sana fakkaataniin isa dubbachuudha, osoo haala sana qabaatellee.

Haalli sun isa keessa kan hin jirre yoo ta'e immoo kun komii (hama) irra jabaadha, inni isa irratti kijibuudha, (Buhtaanni) nama irratti waan waam namni hin qabne namaan jechuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Akkaataan barsiisa Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bareedaa ta'uudha, dhimmoowwan karaa gaaffiitiin waan dhiheessuuf.
2. Yeroo Rabbii fi Ergamaa Isaatu beeka jedhanutti naamuusa bareedaa sahaaboonni Nabiyyii waliin qabaniidha, Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu.
3. Namni waan hin beekne irraa gaafatame: Rabbiitu beeka jechuudha.
4. Haqaa fi obbolummaa isaan gidduutti tiksuun eegumsa shari'aan hawaasaa goote agarsiisa.
5. Komiin (hamti) yeroo garii keessatti bu'aa wahiitif yoo

ta'e malee haraama ta'uudha; sana irraa: miidhaa deebisuuf, namni miidhame nama haqa isaa fuudhuufii danda'u biratti nama isa miidhe dubbachuudha, Ebelu na miidhe, yookaan akkas natti hojjate jedhee akka dubbachuuti, ammas isii irraa: dhimma gaa'ilaa irratti waliin mari'achuufaa, yookaan waliin gurmaa'uu faa, yookaan olloomuufaa fi kan sana fakkkaatan keessatti.

(5326)

(186) – عَنِ ابْنِ عُمَرَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «كُلُّ مُسْكِرٍ خَمْرٌ، وَكُلُّ مُسْكِرٍ حَرَامٌ، وَمَنْ شَرِبَ الْخَمْرَ فِي الدُّنْيَا فَمَاتَ وَهُوَ يُدْمِنُهَا لَمْ يَتُبْ، لَمْ يَشْرَبْهَا فِي الْآخِرَةِ». [صحيح] - [رواه مسلم وأخرج البخاري الجملة الأخيرة منه]

(186) – Ibnu Umar irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Wanti nama macheessu hundi farshoodha, wanti nama macheessu hundinuu ammoo haraama, namni addunyaa tana irratti farshoo dhugee osoo irraa hin towbatin araada itti tahee du'e, inni Aakhiraatti ishee hin dhugu». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wanti sammuu haguugee isa deemsisu hundi bifa dhugaatitiin, ykn bifa nyaatatiin ykn bifa funyaanitti ol fudhachuutin ykn bifa waan biraatin ta'ee inni farshoo nama macheessu yoo tahu, waan nama macheessee sammuu namaa deemsisu hunda xiqqaas tahee guddaa Rabbiin ol tahe dhugumatti akka haraama isa taasisee irraa dhoorge ibsaniiru. Namni wantoota nama

macheessan irraa gosa kamiyyuu dhugee, dhuguu itti fufee hanga du'utti irraa hin towbatin; inni Jannata keessatti akka isa hin dhugne gochuudhaan adabbii Rabbii haqa godhata jechuu ibsan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sababni farshoon dhoorgameef waan nama macheessuufi, Wanti gosa kamiiyyuu tahee wanni nama macheessu hundi haraama.
2. Rabbiin ol tahe farshoo haraama akka godheedha; Sababaa miidhaa fi badii guddaa of keessaa qabuuf jecha.
3. Jannata keessatti farsoo dhuguun guutummina mi'aa fi qananii irraayi.
4. Namni addunyaa tana keessatti farshoo dhuguu irraa of hin qusanne, Rabbiin jannata keessatti akka hin dhugne isa dhoorga, mindaan fakkaatuma hojiiti.
5. Osoo hin du'in gara Rabbitti deebi'uun towbachuu irratti nama kakaasuudha.

(58259)

(187) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: لَعَنَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ الرَّاشِيَ وَالْمُرْتَشِيَ فِي الْحُكْمِ. [صحيح] - [رواه الترمذي وأحمد]

(187) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- nama murtee keessatti gubboo fudhatuu fi nama gubboo kennus ni abaaran. [sirrii] - [tirmiziifii ahmad odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- warra

gubboo kennuu fi fudhatus rahmata Rabbii ol ta'ee irraa akka ari'amanii fageeffaman itti kadhatan.

Sana irraa abbootiin murtii murtii kennan keessatti loogii akka godhaniif waan kaffalamuudha; sababni isaas namichi kennu sun haqaan maletti waan barbaade galmaan gahuu akka danda'uuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gubboo kennuun, fudhachuun, gidduu seenuu fi irratti gargaaruun akka haraama ta'eedha; sababni isaas cubbuu irratti wal gargaaruun waan isa keessa jiruuf jecha.
2. Malaammaltummaan diliiwwan gurguddoo irraa akka ta'eedha; sababni isaas Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- nama gubboo fudhatuu fi kennus waan abaaraniif jecha.
3. Dirree haqaa fi murtii irratti malaammaltummaan yakka guddaa fi cubbuu cimaadha; Sababni isaas miidhaa fi waan Rabbiin buuseen alatti murteessuun waan isa keessa jiruuf jecha.

(64689)

(188) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «إِيَّاكُمْ وَالظَّنَّ؛ فَإِنَّ الظَّنَّ أَكْذَبُ الْحَدِيثِ، وَلَا تَحَسَّسُوا، وَلَا تَجَسَّسُوا، وَلَا تَحَاسَدُوا، وَلَا تَدَابَرُوا، وَلَا تَبَاغَضُوا، وَكُونُوا عِبَادَ اللهِ إِخْوَانًا». [صحيح] - [متفق عليه]

(188) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-akkas jedhan: "Seehaa (namii) irraa fagaadhaa; Dhugumatti seehaan irra soba haasawaati, hamtuu namaa

beekuuf hin yaalinaa, wal hin basaasinaa, wal hin hassadinaa, dugda walitti hin galinaa, wal hin jibbinaa, Gabroota Rabbii obboleewwan ta’aa". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wantoota Muslimoota gidduutti wal qoqqooddaa fi diinummaatti nama geessan irraa dhoorgan. Sana keessaa:

(Seehaadha) inni shakkii ragaan maletti qalbii keessatti argamu yoo ta’u, inni haasaa sobaa keessaa tokko akka ta'e ibsan.

(Hamtuu beekuuf yaaluudha): inni hamtuu namootaa ijaan ykn gurraan beekuuf yaaluudha.

(Wal basaasuudha): inni dhimmoota irraa waan dhokataa ta'e barbaaduudha, yeroo baay’ee isa hamtuu keessatti itti fayyadamama.

(Inaaffaadha) inni argannaa ni'imaa namaaf jibbuudha.

(Dugda walitti galuudha) inni gariin namootaa garii irraa gara galuun argama, obboleessa isaa Muslima salaamataa hin jedhuun, akkasumas isa hin ziyaaru,

(Wal jibbuudha) wal irraa baqachuudha, akkasumas wal rakkisuun, fuula walitt gurraachessuu fi amala badaan wal simachuun jibbansa walii muldhisuudha.

Eegasii jecha of keessatti waa hedduu hammatu kan isaan wajji jireenyi muslimootaa tolu wahiiti dubbatan,innis: (Gabroota Rabbii obboleewwan ta'aa) jechuudha. Obbolummaan haada walitti dhufeenya namoota gidduu jiru isaan tolu, akkasumas gidduu isaanitti jaalalaa fi walitti dhiheenya dabala.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Seehaan badaan nama mallattoon isaa irraa mul'ate hin miidhu, mu'uminni qaruutee fi gamna ta'uu qaba malee namoota hamaa fi badii dalaganiin gowwoomfamuu hin qabuudha.
2. Ergaan dabarsuuf yaadame, shakkii lubbuu namaa keessa qubatu irraa akeekkachiisa kennuudha, akkasumas yoo tasa kan argamu ta'e akka qabatee waliin hin turre akeekkachiisuudha, wanni lubbuu irra dhufu kan isa keessatti hin raggaane immoo rakkoo hin qabu.
3. Wantoota waldhabdee fi addaan bahuu miseensota hawaasa Muslimaa gidduutti fidan, kan akka wal basaasuu, inaaffaa fi kan kana fakkaatan haraamessuudha.
4. Gaarii walii yaaduu fi wal jaallachuu keessatti muslimni obboleessa muslimaa akka obboleessa dhalootatti ilaaluu akka qabu dhaamsa dabarsuudha.

(5332)

(189) – عن حذيفة رضي الله عنه قال: سمعتُ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «لَا يَدْخُلُ الْجَنَّةَ قَتَّاتٌ». [صحيح] - [متفق عليه]

(189) – Huzayfaa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiidhaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Namni wolitti nama naqu (diru) jannata hin seenu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni gidduu namootaa balleessuuf jecha haasawa

gidduu isaaniitti oliif gadi geessu inni adabamuu haqa godhata jannata seenuu dhabuudhaan jechuudha himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namiimummaan (gidduu namootaa balleessuuf jecha haasawa oliif gadi hafarsuun) badiiwwan gurguddoo irraayi.
2. Dhuunfaa fi gareewwan gidduutti balleessuu fi miidhuun waan isii keessa jiruuf namiimummaa irraa dhoorguudha.

(5368)

(190) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «كُلُّ أُمَّتِي مُعَافًى إِلَّا المُجَاهِرِينَ، وَإِنَّ مِنَ المُجَاهَرَةِ أَنْ يَعْمَلَ الرَّجُلُ بِاللَّيْلِ عَمَلًا، ثُمَّ يُصْبِحَ وَقَدْ سَتَرَهُ اللَّهُ عَلَيْهِ، فَيَقُولَ: يَا فُلَانُ، عَمِلْتُ البَارِحَةَ كَذَا وَكَذَا، وَقَدْ بَاتَ يَسْتُرُهُ رَبُّهُ، وَيُصْبِحُ يَكْشِفُ سِتْرَ اللَّهِ عَنْهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(190) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkas jedhuun dhagahe: "Ummanni kiyya hundinuu nagaa keessa jiraatu, warra badii hojjatanii muldhisan malee, badii hojjatanii muldhisuu keessaa namni tokko halkan hojii wahii hojjatee, eegasii dhugumatti Rabbiin haala badii sana isaaf dhokseen isaaf kan bari'u yoo ta'u, eegasii akkana jechuu isaati: Yaa ebalu, eda halkan waan akkanaa waan akkasiitiin hojjedhe, dhugumatti Rabbiin isaa isaaf dhoksee haala buleen, girdoo Rabbiin isa irra kaaye sana ofirraa kaasee bari'aaf". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- Muslima tokko kan badii hojjateef dhiifamni Rabbiitii fi araaramni Isaa akka isaaf abdatamu ibsani, nama of tuulummaa fi baalagummaaf jecha badii isaa muldhisu malee, inni akkasii sun dhiifama haqa hin godhatu, halkan badii hojjatee bulee, ganama dhugumatti Rabbiin haala isaaf dhookseen gadi bahee ani kaleessa badii akkanaatiin hojjadhe jedhee nama birootti of hima, Rabbiin dhugumatti isaaf dhoksee haala buleen ganama gadi bahee girdoo Rabbiin isa kaaye ofirraa kaasa!!

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Eega Rabbiin namaaf dhoksee badii ofii muldhisuun waan fokkataa ta'uudha.
2. Badii ifatti labsuu keessatti gidduu mu'uminootaatti safuu babal'isuutu jiraadha.
3. Namni Rabbiin addunyaa kana irratti badii isaaf dhokse aakhirattis ni dhoksaaf, kun bal'ina rahmata Rabbiin gabroota isaaf godhe irraati.
4. Namni badii dalaguun mokkorame of saaxiluu dhabee gara Rabbitti towbaa deebi'uudha qabaadha.
5. Guddina dilii warra badii itti yaadanii muldhisanii, nagaan jiraachuu irraa of hoonggessaniiti.

(3756)

(191) – عَنِ ابْنِ عُمَرَ رضي الله عنهما: أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ خَطَبَ النَّاسَ يَوْمَ فَتْحِ مَكَّةَ، فَقَالَ: «يَا أَيُّهَا النَّاسُ، إِنَّ اللهَ قَدْ أَذْهَبَ عَنْكُمْ عُبِّيَّةَ الْجَاهِلِيَّةِ وَتَعَاظُمَهَا بِآبَائِهَا، فَالنَّاسُ رَجُلَانِ: بَرٌّ تَقِيٌّ كَرِيمٌ عَلَى اللهِ، وَفَاجِرٌ شَقِيٌّ هَيِّنٌ عَلَى اللهِ،

وَالنَّاسُ بَنُو آدَمَ، وَخَلَقَ اللهُ آدَمَ مِنْ تُرَابٍ، قَالَ اللهُ: {يَا أَيُّهَا النَّاسُ إِنَّا خَلَقْنَاكُمْ مِنْ ذَكَرٍ وَأُنْثَى وَجَعَلْنَاكُمْ شُعُوبًا وَقَبَائِلَ لِتَعَارَفُوا إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِنْدَ اللهِ أَتْقَاكُمْ إِنَّ اللهَ عَلِيمٌ خَبِيرٌ} [الحجرات: 13]». [صحيح] - [رواه الترمذي وابن حبان]

(190) – Ibnu Umar irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaalatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- guyyaa injifannoo Makkaa ummata gorsanii akkas jedhan: "Yaa Ilmaan namaa! Rabbiin ba'aa wallaalummaa fi abbaa ofiitin of tuuluu isin irraa buqqiseera. Namoonni bakka lamatti qoodamu: Nama Qajeelaa Rabbiin sodaatu kan Rabbiin biratti kabaja qabuudha, kaan ammoo Nama gadhee jallaa Rabbiin biratti xiqqaataadha. Namoonni ilmaan Aadami, Aadam ammoo Rabbiitu biyyee irraa isa uume, Rabbiin akkas jedhe: {Yaa Ilmaan namaa! Nuti dhiiraa fi dubartii tokko irraa isin uumne, akka isin wal beektaniif jecha sabootaa fi gosoota isin taasifne, Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan irra Rabbiin sodaataa keessani, Rabbiin beekaa keessaa hubataadha} [Al-Hujuraati: 13]. [sirrii] - [Tirmizii fi Ibnu Hibbaantu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- guyyaa injifannoo Makkaa ummata gorsanii akkana jedhan: Yaa ilmaan namaa! Rabbiin dhugumatti boona fi of tuulummaa bara awaamummaa fi abbootin of dhaaduu isin irraa buqqiseera, namoonni gosa lama qabu:

Nama Mu'uminaa qajeelaa Rabbiin sodaatu kan Rabbiin gabbaruudha, inni kun Rabbii guddaan biratti nama kabajamaadha, osoo namoota gidduutti nama sadarkaa qabu

ykn hidda dhalootaa kabajamaa qabu hin ta'inillee.

Yookiin immoo kaafira safuu hin qabne kan jallaa ta'eedha, inni kun ammoo Rabbiin biratti xiqqaataa gadi galoo, sadarkaa hin qabneedha, osoo nama sadarkaa, kabajaa fi aangoo qabullee ta'ee.

Namoonni hundinuu Ilmaan Aadam yoo ta'an, Rabbiin ammoo Aadamiin biyyee irraa uume, Namni ka'umsi isaa biyyee irraa ta'e of tuuluun of dinqisiifachuun sirrii miti. Ragaan dubbii kanaa jecha Rabbii guddaati: {Yaa Ilmaan namaa! dhiiraa fi dubartii irraa isin uumne, akka isin wal beektaniif jecha sabootaa fi gosoota isin goone, Dhugumatti Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan irra Rabbiin sodaataa keessani. Rabbiin Beekaa keessa hubataadha} [Al-Hujuraat: 13].

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hidda dhalootaa fi sadarkaa irra jiraniin of jajuun dhorgaa ta'uudha.

(65074)

(192) – عن عائشة رضي الله عنها عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «إِنَّ أَبْغَضَ الرِّجَالِ إِلَى اللهِ الْأَلَدُّ الْخَصِمُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(192) – Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Rabbiin biratti akkaan irra jibbamaan namootaa nama falmii gogaa falmuudha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa

buusu- Rabbiin ol ta'e namoota irraa nama falmii jabeessuu fi heddummeessu kan haqa jala butamuu hin qeeballe, falmii isaatiin haqa deebisuu kan yaalu, yookaan haquumaan kan falamu garuu falmii kessatti daangaa darbuun giddu galeessummaa keessaa of baasa, akkasumas beekumsaan maletti kan falamu akka jibbu himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni miidhame karaa iyyannoo shari'aatiin haqa isaa barbaaduun gosoota falmii jibbamaa keessa hin ssenuudha.
2. Falmii fi wol mormiin balaa arrabaa tan adda faca'uu fi muslimoota gidduutti dugda wolitti galuuf sababbaa taatu keessa tokkoodha.
3. Falmiin yoo haqa keessattti taatee fi karaa isii bareedaan yoo taate faarfamtuudha, haqa deebisuu fi badii raggaasisuuf yoo taate yookaan ragaan malee yoo taate immoo jibbamtuudha.

(5474)

(193) – عن أبي بَكرة رضي الله عنه قال: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «إِذَا الْتَقَى الْمُسْلِمَانِ بِسَيْفَيْهِمَا فَالْقَاتِلُ وَالْمَقْتُولُ فِي النَّارِ»، فَقُلْتُ: يَا رَسُولَ اللهِ هَذَا الْقَاتِلُ، فَمَا بَالُ الْمَقْتُولِ؟ قَالَ: «إِنَّهُ كَانَ حَرِيصًا عَلَى قَتْلِ صَاحِبِهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(193) – Abuu Bakraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e:

"Muslimni lama (wol ajjeesuuf jecha) seyfii isaaniitiin yoo wal qunnaman, kan ajjeeses kan ajjeefames ibidd keessatti ta'an" nan jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii: inni kun isa ajjeese, kan ajjeefame immoo maaliifi? ni jedhan: "dhugumatti innis saahiba isaa ajjeesuuf bololaadha ture". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- muslimni lama haala lameen isaaniituu saahiba isaa balleessuuf yaadaaa ta'een yoo seyfii isaan lameenitiin wal qunnaman; inni ajjeese sababaa ajjeechaa saahiba isaa kallattiin raawwateef ibidda keessatti ta'adha himan, Kan ajjeefame immoo akkamitti ibidda keessatti ta'a jechuun sahaabota dhibe? innis waan saahiba isaa ajjeesuu yaadaa tureef jecha ibidda keessatti akka ta'u Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- himan, ajjeesuu irraa homaa isa hin dhoorgine inni ajjeese daddafee isa dursuu isaa malee.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni qalbii isaatiin badii irratti murteeffatee ka'ee sababoowwan isii raawwate adabbii haqa godhachuudha.
2. Muslimoonni wol ajjeesuu irraa sodaachisa jabaa fi isa irratti ibiddaan dinniinuudha.
3. Muslimoota gidduutti haqaan wol ajjeesuun dinniinicha san keessa hin galu, sun akka shiftootafi balleessitoota ajjeesuuti.
4. Namni badii guddaa dalage isiidhuma hojjachuu qofaan hin kafarsiifamu; sababni isaas Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- worra wol

ajjeesan muslimoota jedhanii waan waamaniif jecha.

5. Muslimoonni lama waan ittiin ajjeechaan argamu kamiiniyyuu yoo wol ga'anii inni tokko isa tokko ajjeese, kan ajjeeses kan ajjeefames ibidda keessatti ta'aadha himan, hadiisa keessatti seyfii qofa dubbachuun akka fakkeenyaatti.

(4304)

(194) – عن أبي موسى الأشعري رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ حَمَلَ عَلَيْنَا السِّلَاحَ فَلَيْسَ مِنَّا». [صحيح] - [متفق عليه]

(194) – Abuu Muusaa Al-Ash'arii irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: "Namni meeshaa waraanaa nurratti baase nu irraa miti". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- muslimoota irratti meeshaa waraanaa baatanii sodaachisuun ykn saamuun dhoorgaa akka ta'e akeekachiisan, Namni haqaan maletti gocha akkasii raawwate yakka guddaa fi badii guddaa hojjatee, doorsisa cimaa kana haqa godhateera.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Muslimni obboleeyyan isaa Muslimaan loluu keessatti akeekkachiisa cimaa kennuudha.
2. Wantoota Jibbisiisoo fi malaammaltummaa guddaa lafa kanarra jiru keessaa tokko, meeshaa waraanaa Muslimoota irratti baafachuu fi badii cimaa karaa ajjeechaatin dhufuudha.

3. Doorsisni armaan olitti ibsame kun lola haqaa, kan akka namoota mirga namaa sarbanii, warra badii adda addaa raawwatanii fi kanneen birootin loluu hin ilaalu.
4. Qoosaadhaan illee haa ta'uu, Muslimoota meeshaa waraanaatiin ykn waan biraatiin sodaachisuun dhorgaa ta'uudha.

(2997)

(195) – عن عائشة رضي الله عنها قالتْ: قال النَّبيُّ صلى الله عليه وسلم: «لَا تَسُبُّوا الْأَمْوَاتَ، فَإِنَّهُمْ قَدْ أَفْضَوْا إِلَى مَا قَدَّمُوا». [صحيح] - [رواه البخاري]

(195) – Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu- ni jette: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Warra du'an hin arrabsinaa, isaan gara waan dabarsaniitti (hojii isaaniitti) deemaniiru". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- warra du'an arrabsuu fi kabajaa isaanii tuquun haraama ta'uu ibsan, akkasumas haalli kun haalowwan badoo irraa ta'uudha ibsan, hojiilee kheyrii irraa yookaan hojiilee hamtuu irraa isaan (warri du'an) gara waan dabarfatanitti waan gayaniif jecha, arrabni kunis warra lubbuun jiran azaa godha malee warra du'anitti hin gayu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hadiisichi warra du'an arrabsuun haraama ta'uu isaatiif ragaadha.
2. Warra du'an arrabsuu dhiisuu keessa bu'aa warra lubbuun

jiranuu eeguutu jira, akkasumas wal madeessuu fi wal jibbuu irraa nageenya hawaasaa eeguutu hadiisicha keessa jira.

3. Sababni isaan arrabsuun dhoorgameef waan isaan gara waan dabarsaniitti gahanii jiranuufi, isaan arrabsuun homaa hin fayyadu, garuu isaan arrabsuu kana keessa firoota isaanii kan lubbuun jiran azaa godhuutu jira.
4. Ilmi namaatiif waan bu'aan keessa hin jirre jechuun hin barbaachisu.

(5364)

(196) – عن أبي أيّوب الأنصاري رضي الله عنه أنَّ رسولَ اللهِ صلى الله عليه وسلم قال: «لَا يَحِلُّ لِرَجُلٍ أَنْ يَهْجُرَ أَخَاهُ فَوْقَ ثَلَاثِ لَيَالٍ، يَلْتَقِيَانِ، فَيُعْرِضُ هَذَا وَيُعْرِضُ هَذَا، وَخَيْرُهُمَا الَّذِي يَبْدَأُ بِالسَّلَامِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(196) – Abuu Ayyuub Al-ansaarii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Nama tokkoof halkan sadi'ii ol obboleessa isaatiin ooduun hin eeyyamamuuf, yeroo wol araganutti kunis irraa garagala sunis irraa garagala, irra caalaan isaanii isa salaamataan eegalu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- muslimni obboleessa isaa muslimaatiin halkan sadi'ii ol ooduu dhoorgani, isaan lameenuu yeroo wol arganutti wol irratti salaamataa hin jedhanu, akkasumas wolis hin haasofsiisanu.

Caalaan worra wol lolan lameen kanaa nama ooda dhabamsiisuuf yaali godhuu fi salaamataan eegaluudha, oodni asitti itti fedhame fedhii lubbuutiif jecha woliin ooduudha, haqa Rabbiitiif jecha ooduun immoo akka worra badii hojjatanuu fi worra baasaatiin ooduufaa, akkasumas waahila badaadhaan ooduu faa, kun yeroon hin daangeffamu, inni bu'aa oodaatti rarraafama, inni dhabamuun dhabama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Guyyaa sadii fi waan isaa gadii keessatti oodni eeyyamamaa ta'uudha, innis uumama ilmi namaa irratti uumame eeguuf jecha, guyyaa sadii keessatti oodni kan eeyyamameef haalli uumamaa sun akka deemuuf jecha.
2. Sadarkaa salaamataan qabuudha, inni waan lubbuu keessaa ni haqa, akkasumas inni mallattoo jaalalaati.
3. Islaamummaan miseesnsa isaa gidduutti obbolummaa fi tokkummaaddhaaf bololuu isaati.

(5365)

(197) – عن سهل بن سعد رضي الله عنه عنْ رسولِ اللهِ صلى الله عليه وسلم قال:

«مَنْ يَضْمَنْ لِي مَا بَيْنَ لَحْيَيْهِ وَمَا بَيْنَ رِجْلَيْهِ أَضْمَنْ لَهُ الْجَنَّةَ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(197) – Sahal ilma Sa'ad irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- ni jedhan: "Namni waan hidhii isaa lameen gidduu jiruu (Arraba) fi waan luka isaa lameen gidduu jiru (Qaama saalaa) of naaf qabe jannataan isaaf of qaba" [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wantoota lama kan muslimni yoo isii qabate dhugumatti jannata seenu himan.

Tokkoffaan: waan Rabbii ol ta'e dallansiisu dubbachuu irraa Arraba eeguudha,

Lammaffaan: waan badaatti kufuu irraa qaama saalaa eeguudha;

Sababaa qaamolee kana lameenitiin badiiwwan argamuun waan heddummaatuufi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qaama saalaa fi Arraba tiksuun jannata seenuuf karaadha.
2. Arrabaa fi Qaama saalaa kan addatti dubbateef; duniyaa fi Aakhiraa keessatti balaaf nama saaxiluu keessatti madda irra guddaa waan isaan ta'aniifi.

(3475)

(198) – عَنْ أَبِي سَعِيدٍ الخُدْرِيِّ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ -وَكَانَ غَزَا مَعَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ ثِنْتَيْ عَشْرَةَ غَزْوَةً- قَالَ: سَمِعْتُ أَرْبَعًا مِنَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَأَعْجَبْنَنِي، قَالَ: «لَا تُسَافِرِ المَرْأَةُ مَسِيرَةَ يَوْمَيْنِ إِلَّا وَمَعَهَا زَوْجُهَا أَوْ ذُو مَحْرَمٍ، وَلَا صَوْمَ فِي يَوْمَيْنِ: الفِطْرِ وَالأَضْحَى، وَلَا صَلاَةَ بَعْدَ الصُّبْحِ حَتَّى تَطْلُعَ الشَّمْسُ، وَلَا بَعْدَ العَصْرِ حَتَّى تَغْرُبَ، وَلَا تُشَدُّ الرِّحَالُ إِلَّا إِلَى ثَلاَثَةِ مَسَاجِدَ: مَسْجِدِ الحَرَامِ، وَمَسْجِدِ الأَقْصَى، وَمَسْجِدِي هَذَا». [صحيح] - [متفق عليه]

(198) – Abuu Sa’iid Al-Khudrii irraa oddeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, - Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-

waliin lola kudha lama lolee ture, - akkana jedhe: Nabiyyii irraa -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- waa afur dhaga'eera, nattis tole, isaanis akkas jedhan: "Dubartiin takka abbaan manaa isii ykn mahramiin/firri dhihoo isii wajjiin yoo jiraate malee fageenya guyyaa lamaa hin imaltu, Guyyaa lama soomuun hin hayyamamu, isaanis: Ayyaana Al-Fixrii fi Al-Adhaati, Salaata fajrii booda hanga aduun baatutti salaanni hin jiruu fi salaata asrii boodas hanga aduun dhiitutti salaanni hin jiruudha, Gara masjiida sadii: Masjiidal haraam, Masjiidal Aqsaa Fi masjiida koo kanaatti malee ibaadaaf imala deemuun hin ta'u". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- wantoota afur irraa dhoogani:

Inni tokkoffaa: dubartii takka fageenya guyyaa lamaa imaluu irraa dhoorguudha, abbaan manaa ishee ykn fira dhihoo ishee keessaa namni tokko isheen wajjiin yoo jiraate malee. fira dhihoo jechuun nama abaditti ishee fuudhuu hin dandeenyeedha, sunis akka ilma ishee, abbaa ishee, ilma obboleessaa, ilma obboleettii, abbeeraa, eessumaa fi kan kana fakkaatani.

Lammaffaan: Sooma qodhaa haa ta'uu, ykn sooma sunnaa, ykn sooma kaffaaraa haa ta'uu sooma kamuu Guyyaa Iid al-Fixrii fi guyyaa Iid al-Adhaa dhoorguudha.

Sadaffaan: Salaata asrii booda hanga aduun lixxutti, salaata fajrii booda hanga aduun baatutti salaata sunnaa salaatuu irraa dhorguudha.

Afraffaan: Gara bakka kamittuu imaluu fi bakki sun sadarkaa qabaa fi kheyriin achitti hojjatamu dachaadha ta'a jedhanii yaaduu irraa dhoorguudha, yoo masjiidota sadan kana

ta'e malee, masjiidota sadan kana malee bakka biraatti salaatuuf jecha imaluun hin danda'amu, mindaanis kan dachaa ta'u masjiidota sadan kana keessatti qofa, Masjiidal haraam, Masjiida Nabiyyii fi Masjiidal Aqsaati.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dubartiin mahrama/fira dhihoo wajjiin malee imaluu hin dandeessuudha.
2. Dubartiin yeroo imala deeman dubartii biraatif mahrama tahuu hin dandeessu; Sababni isaas: hadiisa keessatti: "Abbaa manaa ishee ykn mahrama" waan jedheef jecha.
3. Dubartiin abbaa manaa ykn mahrama malee waan imala jedhamu hunda irraa ni dhoorgamti, hadiisni kun akka haala nama gaafataa fi bakka jireenyaa isaatin ilaalama.
4. Mahrama dubartii jechuun abbaa manaa isheeti ykn nama sababa firummaa akka abbaa ishee, ilma ishee, abbeeraa fi eessumaa, ykn sababa harma hoosisuu akka abbaa fi abbeeraa hoosisaa irraa ta'ee, ykn sababa soddummaa akka abbaa abbaa manaa ta'uu irraa kan ka'een abaditti ishee fuudhuun irratti haraama ta'eedha, Innis Muslima ga'eessa, beekaa, amanamaa ta'uudha qaba, Kaayyoon mahramaa dubartii tiksuu, kunuunsuu fi dhimma isiitin dhaabbachuu waan ta'eefi dha.
5. Amantiin Islaamaa dubartootaaf ni yaada, ishees ni eega, akkasumas ishee ni tiksaadha.
6. Salaata Fajrii fi Asrii booda salaata sunnaa salaatun fayyaa ta'uu hin danda'uudha.
7. Salaata waajibaa kan darbe raawwachuun, salaatowwan sababa qaban kan akka tahiyyaa masjiidaa fi kan kana

fakkaatan salaatuu sana jala hin galu.

8. Aduun akkuma baateen salaata salaatuun haraama ta'a, inumaayyuu hanga isheen tilmaama eeboo ol fuudhamtuu eeguun dirqama, sun tilmaamaan daqiiqaa kudhanii hanga kudha shanii ni ta'a.
9. Yeroon asri hanga aduun lixxutti dheerata.
10. Gara masjiidota sadanitti imaluun ni hayyamamaadha.
11. Sadarkaa fi kabajaa masjiidonni sadan waan biraa irra qabaniidha.
12. Qabrii ziyaaruuf jecha imaluun hin hayyamamu, qabrii Nabiyyii osoo ta'ellee, nagaa fi rahamnni irra haa jiraatu, nama Madiinaa keessa jiruuf, ykn karaa shari'aan islaamaa seera qabeessa godheen nama madiinaa dhufeef qabricha ziyaaruun ni danda'ama.

(10603)

(199) – عن أسامة بن زيد رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «مَا تَرَكْتُ بَعْدِي فِتْنَةً أَضَرَّ عَلَى الرِّجَالِ مِنَ النِّسَاءِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(199) – Usaamaa ibnu Zaydii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Booda kootii dhiirota irratti qormaata miidhaa ta'e kan akka dubartootaa hin dhiifne». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- booda isaaniitii dhiirota irratti qormaata miidhaa qabu kan akka dubartootaa akka hin dhiisin himani; dubartiin maatii isaa irraa yoo taate shari'aa faallessuu keessatti isii hordofuutu

mala, ajanabiyyaa yoo taate immoo isii woliin wolitti makamuu fi woliin qofaa ba'uun waan sana irraa badii argamuun ta'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Muslimni qormaata dubartii irraa of eeggachuu qaba, akkasuma daandii isiin qoramutti nama geessu hunda duuchutu isa irraa eegama.
2. Mu'uminni Rabbiin of tiksuutu isa irraa barbaadama, akkasuma qormaata irraa akka baraaramuufis isa kajeeluu qaba.

(5830)

(200) – عَنْ أَبِي سَعِيدٍ الْخُدْرِيِّ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِنَّ الدُّنْيَا حُلْوَةٌ خَضِرَةٌ، وَإِنَّ اللهَ مُسْتَخْلِفُكُمْ فِيهَا، فَيَنْظُرُ كَيْفَ تَعْمَلُونَ، فَاتَّقُوا الدُّنْيَا وَاتَّقُوا النِّسَاءَ، فَإِنَّ أَوَّلَ فِتْنَةِ بَنِي إِسْرَائِيلَ كَانَتْ فِي النِّسَاءِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(200) – Abuu Sa’iid Al-Khudrii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: Dhugumatti, duniyaan tun mi’ooftuu magariisa, Rabbiin isii keessatti warra isin duratti dabran irraa bakka isin buuse, akkamitti akka hojjattan ilaala, Kanaafuu duniyaa eeggadhaa, dubartootas eegadhaa, jalqabni qorumsa ilmaan israa'eel dubartoota keessatti argame". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- addunyaan yeroo dhandhaman mi’ooftuu akka taate fi yeroo ijaan ilaalan magariisa akka taate ibsan, kanaafuu namni isiin gowwoomfamee, isii keessa achi kutee isii irra guddaa

yaaddoo isaa taasifata. Akkasumas Rabbiin -qulqullaa'ee ol ta'e- addunyaa tana keessatti garii keenya garii irraa bakka buuse, nuti maal akka hojjannu, Isaaf ajajamna moo Isa khallafnaa? nu ilaaluuf jecha. Eegasii akkana jedhan: Duniyaa fi bareedinni isii isin gowwoomsee, waan Rabbiin itti isin ajaje dhiisuu fi waan Rabbiin irraa isin dhoorge keessa bu'uu irratti akka isin hin kaafne of eeggannoo godhaa. Qorumsa addunyaa keessaa irra guddaan waan irraa of eeggannoo gochuun dirqamaa keessaa qorumsa dubartootati, innis qorumsa jalqabaa kan ilmaan israa'eel keessatti argamanii akka ta'e ibsaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sodaa Rabbii qabaachuu fi addunyaa fi bareedummina isiitiin gowwooffamuu dhabuu irratti kakaasuudha.
2. Ijaan dubartoota ajnabii ta'an ilaaluun yookaan isaan dhiirota ajnabii ta'anitti makamuu keessatti dandataa dhabuun, yookaan waan sana fakkatuun dubartootaan qoramuu irraa of eeggachuudha.
3. Addunyaa keessatti fitnaan dubartootaa irra guddaa fitnoowwanii keessaa isa tokkoodha.
4. ummatoota darban irraa barachuu fi gorsa fudhachuudha, wanni ilmaan israa'eel keessatti argame namoota biroo keessattis argamu danda'a
5. Fitnaan dubartii, yoo haadha manaa taate namichi baasii danda’u caalaa baasutti isa dirqisiifti, sababaa saniitin dhimmoota amantii dhiisee guutumaa guututti duniyaa barbaadutti akka garagalu isa taasifti, dubartiin yoo ajnabii taate immoo gochuu, dhimma amantii irraa yaada akka garagalchu taasifti, yeroo guutuu isaa barbaacha

dunyaa irratti akka dabarsu taasifti. Yoo orma taate immoo fitnaan isii yeroo manaa baatee isaanitti dhiirotatti makamte isaan gowwoomsuu fi haqa irraa isaan jallisuudh, keessattuu yeroo babareeffatanii haguuggii malee baate, inni kun sadarkaa isaatiin sagaggaalummatti kufutti nama geessuu isaatu mala, kanaafuu nama Rabbitti amaneef Rabbiin qabatee fitnaa dubartootaa irraa nagaa ta'uuf Isa kajeeluutu barbaachisa.

(3053)

(201) – عَنْ عُقْبَةَ بْنِ عَامِرٍ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِيَّاكُمْ وَالدُّخُولَ عَلَى النِّسَاءِ» فَقَالَ رَجُلٌ مِنَ الأَنْصَارِ: يَا رَسُولَ اللَّهِ، أَفَرَأَيْتَ الحَمْوَ؟ قَالَ: «الحَمْوُ المَوْتُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(201) – Uqbaa bin Aamir irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Dubartoota irratti seenuu irraa of eeggadhaa». Namichi warra Ansaaraa irraa tahe tokko akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii fira abbaa manaa yoo tahe hoo? isaanis akkas jedhan: «Firri abbaa manaa du'a». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubartoota alagaatiin walitti akka hin makamne akeekkachiisuun akkana jedhan: isin dubartootatti seenuu, dubartoonnis isinitti seenuu irraa lubbuu teessan eegaa.

Namichi warra Ansaaraa tokko akkana jedhe: Fira abbaa manaa yoo tahe hoo? Kan akka obboleessa abbaa manaa, ilma

obboleessa isaa, abbeeraa isaa, ilma abbeeraa isaa, ilma obboleettii isaa fi kan kana fakkaatan, warra yoo isiin kan hin heerumne taate, isaanitti heerumuun isiif hayyamamu irraa.

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkuma du'a irraa of eeggattan isa irraa of eeggadhaa! jedhan, Sababni isaas firoota abbaa manaa wajjin kophaa ta'uun qorumsa fi badii amantiitti nama geessa, firoonni abbaa manaa kan abbaa isaa fi ijoollee isaa hin tahin alagaa caalaa dhoorgamu qaban, Sababni isaas fira abbaa manaa wajjin kophaa ta'uun nama biraa wajjin kophaa ta'uu caalaa miidhaa fida waan ta'eef jecha, akkasumas namoota biroo caalaa hammeenyi isaa badaa waan ta'eef jecha, fitnaan isaan argamuun caalaatti danda'ama; sababni isaas mormii tokko malee dubartii sana bira gahuu fi kophaa ishee waliin taa'uu waan danda'uuf jecha, akkasumas isa irraa hafiinsi waan hin danda'amneef jecha, isa ishee irraa dhoorguunis hin mijjatu, namichi haadha manaa obboleessa isaa wajjiin kophaa bahuu aadatti waan laaffisaniif jecha; kanaaf inni fokkinaa fi badii qabaachuu keessatti du'atti fakkaata, alagaan immoo akkasii miti; sababni isaas fagootti irraa of eeggannoon godhama waan taheef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dubartoota fira dhihoo irratti seenuu fi isaan waliin kophaa ta'uu dhoorguudha, balbala badii raawwachutti geessu cufuuf jecha.
2. Kun obboleessa abbaa manaa fi firoottan isaa kan dubartiif fira dhihoo hin tahin hunda qabata, dubartitti seenun isheedhaan waliin kophaa bahutti kan nama geessu tahuun ilaalcha keessa galu qaba.

3. Hamtuutti kufuu sodaachuuf jecha, walumaagalatti eddoolee dogongora keessa nama galchuu danda'an irraa fagaachuun barbaachisaa dha.
4. Nawawiin akkana jedhe: Ulamaa'onni afaan arabiffaa obboleessa abbaa warraa jechuun, firoota abbaa manaa isaa, kan akka abbaa isaa, abbeeraa isaa, obboleessa isaa, ilma obboleessa isaa, ilma abbeeraa isaa fi kan kana fakkaatan ta'uu irratti waliigalaniiru. Akkasumas "Akhtaan" kan jedhu firoota haadha manaa namichaa akka ta'an, warri soddaa immoo gosa lamaan irratti akka dubbatamu waliigalaniiru.
5. (Fira abbaa manaa) du'aan wal fakkeessan, Ibnu hajar akkas jedhe: Araboonni waan jibbamaa tokko du'aan wal fakkeessanii ibsu, akkaataan wal fakkeenya isaas yoo badiin argame inni du'a amantititi, yoo badiin argamee dhagaadhaan cafaqanii ajjeesuun dirqama tahe immoo inni du'a namicha dubartiin kophaa baheeti fi abbaa manaa ishee irraa adda bahuun halaakamuu dubartiiti, yoo hinaaffaan akka ishee hiiku isa goote.

(5888)

(202) – عن أبي موسى رضي الله عنه أنَّ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم قال: «لَا نِكَاحَ إِلَّا بِوَلِيٍّ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وابن ماجه وأحمد]

(202) – Abuu Muusaa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Gaa'elli/nikaahni waliyyiin/eegduun malee hin hidhamu". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Ibnu Maajaa fii Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Rasuulli -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaa'elli dubartii takkaa waliyyiin/eegduun malee sirrii akka hin taane ibsan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Waliyyiin/Eegduun gaa'elli sun seera qabeessa akka ta'uuf haal-duree yoo ta'u, dubartiin takka waliyyiin malee yoo heerumte, yookiin of yoo heerumsiifte seera qabeessaa miti jechuu dha.
2. Waliyyiin/Eegduun dhiira ta'ee, dubartii sanatti dhihoo waan ta'eef, waliyyiin/eegduun fagoo eddoo namni itti dhihoo jirutti ishee heerumsiisuu hin danda'u.
3. Ulaagaaleen waliyyii: itti gaafatamummaa baachuu danda'uu, dhiira ta'uu, dantaa gaa'elaa beekuu irratti bilchina qabaachuu fi amantiin waliyyii fi dubartii sanaa wal fakkaachuu, Namni amaloota kana hin qabne waliigaltee gaa'elaa keessatti akka waliyyiitti ulaagaa hin guutu.

(58066)

(203) – عن عقبة بن عامر رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «أَحَقُّ الشُّرُوطِ أَنْ تُوفُوا بِهِ مَا اسْتَحْلَلْتُمْ بِهِ الْفُرُوجَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(203) – Uqbaa ibnu Aamir irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Ulaagaa hunda irra kan isin guutuu qabdan, ulaagaa ittiin qaama saalaa dubartii halaala taasifattani». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ulaagaa hunda irra kan isa guutuun barbaachisu, inni isa dubartiitti qanani'uun haalaala ta'uu keessatti sababaa ta'e ta'uu ibsan, innis ulaagaa eeyyamamaa ta'e kan haati manaa yeroo nikaan hidhamu gaafattuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ulaagaa abbaan manaa fi haati manaa irratti wolii isaaniitiif walii galan guutuun dirqama ta'uu isaa, yoo ulaagaa halaala harramse yookaan haraama hallalche ta'e malee.
2. Ulaagaa nikaa guutuun kan biraa irra dirqamummaan isaa jabaadha; qaama saalaa dubartii halaalfachuuf kan seename waan ta'eef jecha.
3. Bakki bultiin qabu islaamummaa keessatti jabaa ta'uu isaa, ulaagaan isaa akka guutamuuf waan gadi jabeesseef jecha.

(6021)

(204) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «الدُّنْيَا مَتَاعٌ، وَخَيْرُ مَتَاعِ الدُّنْيَا الْمَرْأَةُ الصَّالِحَةُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(204) – Abdullaah ibnu amrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Duuniyaan meeshaa itti fayyadamanu, irra caalaan meeshaa duuniyaa dubartii gaariidha». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- duuniyaan waan isii keessa jiru woliin yeroo hanga ta'eef isiin meeshaa isatti qanani'anii eegasii immoo kan dhabamu akka taate fi irra caalaan meeshaa duuniyaadhaa dubartii gaarii, yeroo inni isii ilaale isa gammachiiftu, yeroo inni isii ajajetti tan isaan bultu, yeroo inni isii irraa fagaatetti lubbuu isiitii fi qabeenya isaas kan tiksituuf akka ta'e himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Bazzaruu fi boonuun maletti gaggaarii duuniyaa Rabbiin gabroota isaatiif halaala godheen qanani'uun eeyyamamaa ta'uu isaati.
2. Haadha manaa gaarii filachuutti kakaasuutu keessa jira; Rabbii isaatiin buluu keessatti gargaarsa waan isaaf taatuuf jecha.
3. Irra caalaan meeshaa duuniyaa waan Rabbiin buluu keessatti ta'e yookaan isaan buluu irratti nama gargaaredha.

(5794)

(205) – عَن عَبْدِ الرَّحْمَنِ بْنِ أَبِي لَيْلَى أَنَّهُمْ كَانُوا عِنْدَ حُذَيْفَةَ، فَاسْتَسْقَى فَسَقَاهُ مَجُوسِيٌّ، فَلَمَّا وَضَعَ القَدَحَ فِي يَدِهِ رَمَاهُ بِهِ، وَقَالَ: لَوْلَا أَنِّي نَهَيْتُهُ غَيْرَ مَرَّةٍ وَلَا مَرَّتَيْنِ - كَأَنَّهُ يَقُولُ: لَمْ أَفْعَلْ هَذَا-، وَلَكِنِّي سَمِعْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «لَا تَلْبَسُوا الحَرِيرَ وَلَا الدِّيبَاجَ، وَلَا تَشْرَبُوا فِي آنِيَةِ الذَّهَبِ وَالفِضَّةِ، وَلَا تَأْكُلُوا فِي صِحَافِهَا، فَإِنَّهَا لَهُمْ فِي الدُّنْيَا وَلَنَا فِي الآخِرَةِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(205) – Abdurrahmaan bin Abii Leylaa irraa odeeffamee, Isaan Huzeyfaa bira turan, Bishaan akka obaasan gaafatee, namichi majuusiin tokko isa obaase, meeshaa ittiin dhugan harka isaa keessa kaahee jennaan isaan isa darbatee, akkas jedhe: osoon ani yeroo tokko ykn yeroo lama isa dhoorguu dhabee -akka waan akkas jedhu fakkaata: silaa kana hin dalaguhaa ta'u malee Nabiyyii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhuun dhagahe: «Hariira qallaa fi furdaas hin uffatinaa, meeshaa warqee fi meetii irraas hin dhuginaa, meeshaa isaan irraa hojjetame keessatti hin nyaatinaa, isheen addunyaa irratti isaaniifi (kaafiroota), Aakhiraatti ammoo nuufi». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- dhiironni hariira gosa isaa hunda akka hin uffanne dhoorgan. Dhiirotaa fi Dubartoota meeshaa warqee fi meetii keessatti akka hin nyaanne fi hin dhugne dhorganiiru. Guyyaa qiyaamaa isheen mu'umintoota qofaaf akka qulqulluu taate himaniiru; sababni isaas Rabbiif tole jechuuf biyya duniyaa keessatti ishee irraa waan fagaataniif jecha. Kaafiroonni ammoo jiruu Aakiraa keessatti ishee hin qabaatan; sababni isaas isaan jireenya duniyaa isaanii keessatti ishetti fayyadamanii, ajaja Rabbii diduu isaanitiin wantoota gaggaarii isaanii keessatti waan ariifataniif jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dhiironni uffata hariiraa qallaa fi furdaas akka hin uffanne dhoorguu fi warra isa uffataniif akeekkachiisa cimaa dabarsuu.

2. Dubartootaaf hariira qallaa fi furdaa uffachuun ni hayyamamaadha.
3. Dhiirotaa fi dubartootaaf saanii fi meeshaa warqee fi meetii keessatti nyaachuu fi dhuguun dhoorgaa tahuudha.
4. Huzeyfaan Rabbiin irraa haa jaallatu, dubbii kana mormuu keessatti jabeessee, meeshaa warqee fi meetaa fayyadamuu irraa irradeddeebi'ee inni kan isa dhoorge tahuu ibseera, garuu inni baratee irraa dhoorgamuu hin dandeenye.

(2985)

(206) – عن ابن عمر رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «أَحْفُوا الشَّوَارِبَ وأَعْفُوا اللِّحَى». [صحيح] - [متفق عليه]

(206) – Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Rifeensa affarroo (hidhii gubbaa) gabaabsaa, Areeda dhiisaa". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- rifeensa affarroo irraa fuudhuu, akka guddatu dhiisuu dhabuu fi tolchee akka gabaabsamu ajajan.

Faallaa saniitti ammoo areeda guddisuu fi guutuu taatee akkuma isiin jirtu sanitti isii dhiisuutti ajajaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Areeda haaduun haraama tahuudha.

(3279)

(207) – عَنْ أَبِي سَعِيدٍ الْخُدْرِيِّ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَا يَنْظُرُ الرَّجُلُ إِلَى عَوْرَةِ الرَّجُلِ، وَلَا الْمَرْأَةُ إِلَى عَوْرَةِ الْمَرْأَةِ، وَلَا يُفْضِي الرَّجُلُ إِلَى الرَّجُلِ فِي ثَوْبٍ وَاحِدٍ، وَلَا تُفْضِي الْمَرْأَةُ إِلَى الْمَرْأَةِ فِي الثَّوْبِ الْوَاحِدِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(207) – Abuu Sa'iid Al-Khudrii irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Dhiirri qaama saalaa dhiiraa hin ilaalu, dubartiinis qaama saalaa dubartii hin ilaaltu, uffata tokkicha dhiirri lama hin uffatu, dubartiinis uffata tokkicha dubartii biraa waliin hin uffattu". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhiirri qaama saalaa dhiira biraa akka hin ilaalle, ykn dubartiin qaama saalaa dubartii biraa akka hin ilaalle dhorgani.

Qaama saalaa jechuun: Inni hunduma waan yeroo mul'ate irraa qaanfatan yoo ta'u, qaamni saalaa dhiiraa waan handhuura fi jilba isaa gidduu jiruudha. Qaamni dubartii hundi dhiirota isheef ajnabii/alagaa ta'an biratti qaama saalaa yoo ta'u, dubartootaa fi mahramoota/namoota fira dhihoo isheef ta'an ilaalchisuun ammoo yeroo baay'ee mana keessatti yeroo hojjettu waan Aadatti ishee irraa mul'atu isaan biratti mul'isuu ni dandeessi.

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhiirri tokko dhiira biraa waliin uffata tokko keessatti ykn haguuggii tokko jalatti bifa isaan lamaanuu qullaa ta'anitti akka kophaa hin baane, akkasumas dubartiin takka dubartii biraa waliin uffata tokko keessatti ykn haguuggii tokko jalatti bifa isaan lamaanuu qullaa ta'anitti akka kophaa hin baane dhoorgani, Sababni isaas

sun tokkoon isaanii qaama saalaa hiriyaa isaa akka tuqu taasisa waan ta'eef jecha, qaama saalaa walii tuquun ammoo akkuma ilaaluun dhoorgaa ta'etti dhoorgaadha, inumaayyuu dhoorgaa ta'uu keessatti tuquutu ilaaluu irra jabaata, maalif jennaan sun waan badiiwwan adda addatti nama geessuuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Abbaa manaa fi haadha manaa yoo ta'e malee qaama saalaa walii ilaluu irraa dhoorguudha.
2. Islaamummaan qulqullina hawaasaa fi daandii gara badii geessu cufuu irratti futuna/bolola akka qabuudha.
3. Yoo barbaachisummaan isaa mul'ate kan akka yaala fayyaatif ykn kan kana fakkaataniif qaama saalaa ilaaluun ni danda'amaadha, garuu fedhiin maletti ta'uudha qaba.
4. Muslimni qaama saalaa isaa haguugee ija isaa qaama saalaa namoota biroo irraa gadi qabachuutti ajajamaa akka ta'eedha.
5. Dhiirri dhiira biraa waliin, dubartiin dubartii biraa waliin bifa dubbatamee dabreen ta'uun dhoorgaa ta'uun isaa wanni addatti dubbatameef; waan sun baay'innaan qaama saalaa walii ilaaluu fi mul'isuutti nama waamuf jecha.

(8904)

(208) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما قال: لَمْ يَكُنِ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فَاحِشًا وَلَا مُتَفَحِّشًا، وَكَانَ يَقُولُ: «إِنَّ مِنْ خِيَارِكُمْ أَحْسَنَكُمْ أَخْلَاقًا». [صحيح] - [متفق عليه]

(208) – Abdullaah ibnu Amrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa

fi nageenya isaan irratti haa buusu- (baalagee) uumaa isaaniitti nama waan fokkataa hojjatuu fi dubbatu hin turre, akkasuma nama waan fokkataa barbaadee hojjatus hin turre, akkas jedhu ture: «Irra filatamaan keessan nama haalli isaa irra tolaa ta'eedha». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Haasawni fokkataan yookaan hojiin fokkataan haala nabiyyii irraa hi turre -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- beekaas kan isa raawwatan hin turre, isaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbaa haala guddaa turani.

Isaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhu ture: Rabbiin biratti irra caalaan keessan nama haalli isaa irra tolaa ta'eedha, toltuu hojjachuun, fuula ifuun, miidhaa nama irraa qabuun, kan nama irra ga'u immoo danda'uun fi waan bareedaan namootatti makamuun.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Mu'uminni haasawa badaa fi hojii fokkataa irraa fagaachuu qabaadha.
2. haalli ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- guutuu ta'uu isaa, hojii gaarii fi jecha bareedaa malee isaan irraa hin argamu.
3. Haala toluun dirree wol dorgommiiti, namni haala toluun durse irra filatamaa fi iimaanaan irra guutuu mu'umintootaa ta'eera.

(5803)

(209) – عن عائشة رضي الله عنها قالتْ: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «إِنَّ المُؤْمِنَ لَيُدرِكُ بِحُسْنِ خُلُقِهِ دَرَجَةَ الصَّائِمِ القَائِمِ». [صحيح بشواهده] - [رواه أبو داود وأحمد]

(209) – Aa'ishaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- ni jette: ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Mu'uminni haala toluu isaatin sadarkaa nama soomuu fi halkan dhaabbatuutti qaqqaba». [Ragaalee isaatiin sahiiha] - [Abuu Daawuud fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haala toluun nama haala tole sadarkaa nama guyyaa soomuu fi halkan dhaabbachuu irratti gadi dhaabbateetiin akka nama ga'u ibsani, guduunfaan haala toluu: toltuu hojjachuu, haasaa toluu, fuula ifuu, miidhaa dhiisuu, yeroo namni nama miidhu danda'anii baachuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Islaamummaan haala tottolchuu fi isa guutuutti haalaan xiyyeeffannoo itti kennuu isaa.
2. sadarkaa haala toluun qabuudha, hanga isaan sadarkaa nama soomuu kan hin faxarree fi nama halkan dhaabbatuu kan hin dadhabneetiin gabricha ga'utti.
3. guyyaa soomuu fi halkan dhaabbachuun hojii gurguddoo lubbuutti ulfaachuun isaan keessa jiruudha, abbaan haala gaarii wolitti dhufeenya tolchuun waan lubbuu isaatti qabsaa'eef sadarkaa isaaniitti qaqqabe.

(5799)

(210) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «أَكْمَلُ الْمُؤْمِنِينَ إِيمَانًا أَحْسَنُهُمْ خُلُقًا، وَخَيْرُكُمْ خَيْرُكُمْ لِنِسَائِهِمْ». [حسن] - [رواه أبو داود والترمذي وأحمد]

(210) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Irra iimaana guutuun mu'umintootaa haala irra tolaa worra qabanu, irra caalaan keessan dubartoota isaaniitiif worra irra caalaa ta'anidha». [hasani] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni iimaana irra guutuu qabu nama haalli isaa tole akka ta'e himani, sun fuula ifuu, toltuu hojjachuu, haasawa toluu fi miidhaa ofii nama irraa qabachuudha.

irra caalaan mu'umintootaa worra dubartoota isaaniitiif irra caalaa ta'ani, akka haadha manaa isaa, ilmaan isaa shamarranii, obboleettiwwan isaa, firoottan isaa shamarranii; isaantu namoota biraa irra haala itti toluu irra haqa godhata waan ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa haala bareedaa qabaachuun qabuu fi sun iimaana irraa ta'uudha.
2. Hojiin iimaanarraayi, iimaanni ni dabalas ni hirdhataasi.
3. Kabajaa islaamummaan dubartootaaf qabuuu fi isaanitti tola ooluutti kakaasuu isaati.

(5792)

(211) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: سُئِلَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ عَنْ أَكْثَرِ مَا يُدْخِلُ النَّاسَ الْجَنَّةَ، فَقَالَ: «تَقْوَى اللهِ وَحُسْنُ الْخُلُقِ»، وَسُئِلَ عَنْ أَكْثَرِ مَا يُدْخِلُ النَّاسَ النَّارَ فَقَالَ: «الْفَمُ وَالْفَرْجُ». [حسن صحيح] - [رواه الترمذي وابن ماجه وأحمد]

(211) – Abuu hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irra hedduu waan jannata nama seensisuu irraa gaafatamanii, akkas jedhani: "Sodaa Rabbiitii fi haala toluudha" akkasumas irra hedduu waan ibidda nama seensisuu irraa gaafatamanii akkas jedhani: "Afaanii fi qaama saalaati". [hasan sahiiha] - [Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataafi nageenya isaan irratti haa buusu-irra guddaan sababoota jannata nama seensisanuu sababaa lama jechuudha ibsan, isaanis:

Sodaa Rabbiitii fi haala toluudha.

Sodaan Rabbii: gidduu keetii fi gidduu adabbii Rabbiitti gaachana gochuudha, sun immoo ajaja Isaatti hojjachuu fi dhoorgaa Isaa irraa dhoorgamuuni.

Haala toluun: fuula ifuu, gaarii arjoomuu fi nama azaa gochuu irraa gabaabbachuun ta'a.

Irra guddaan sababoota ibidda seensisanii lamaadha, isaanis:

Arrabaa fi qaama saalaati.

Badii arrabaa irraa: kijiba, komii, namoota wolitti kakaasuuf haasaa olii gadi hafarsuu fi kanneen biros keessatti ni aragamu.

Badii qaama saalaa irraa: sagaagalummaa, liwaaxaa fi kan biroos keessatti ni aragamu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Jannata seenuudhaaf sababoota Rabbitti rarra'antu jiru, isaan keessaa: sodaa Isaati, akkasumas sababboota namootatti rarra'antu jiru, isaan keessaa: haala toluudha.
2. Hammeenya arrabni abbaa isaa irratti qabuudha, akkasumas inni sababoota ittiin ibidda seenan irraa ta'uudha.
3. Hammeenya fedhiinii fi sagaagalummaan ilma namaa irratti qabaniidha, akkasumas isaan irra hedduu sababoota ibidda nama seensisan irraa ta'uudha.

(5476)

(212) – عن أنس بن مالك رضي الله عنه قال: كَانَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ أَحْسَنَ النَّاسِ خُلُقًا. [صحيح] - [متفق عليه]

(212) – Anas ibnu Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoota hunda irra haala gaariin irra bareedaa turani. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoota hunda irra haalli isaanii guutuu ture, haala gaarii fi toltuuwwan hunda irratti dursi kan isaanii ture, haasawa toluu, toltuu hojjachuu, fuula ifuu, rakkoo nama irraa qabachuu fi rakkina namoota irraa isaanitti dhufu immoo danda'uun.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haalli Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- guutuu ta'uu isaa.
2. Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaantu haala toluu keessatti hidhannoo guutuudha.
3. Haal toluu isaanii keessatti nabiyyiitti hidhachuutti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kakaasuutu keessa jira.

(6180)

(213) – عَنْ عَائِشَةَ أُمِّ المُؤمنينَ رضي الله عنها قَالَتْ: كَانَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يُعْجِبُهُ التَّيَمُّنُ، فِي تَنَعُّلِهِ، وَتَرَجُّلِهِ، وَطُهُورِهِ، وَفِي شَأْنِهِ كُلِّهِ. [صحيح] - [متفق عليه]

(213) – Aa'ishaa haadha mu'umintootaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- ni jette: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kophee isaanii uffachuu, rifeensa isaanii filachuu, qulqulleeffachuu fi dhimmoota isaanii hunda keessatti mirga dursuu jaallatu turani. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhimmoota isaanii kabajaaf malu keessatti miragaan eegaluu kan jaallatanuu fi caalchifatanu turani, sana keessaa: kophee isaaniii offachuu keessatti mirgaan eegalu, akkasumas rifeensaa fi areeda isaanii filachuu fi dibata isaaf dibuu keessattis mirgaan eegalu, akkasumas wuduu'a isaanii keessattis harkaa fi miila yeroo dhiqatan mirga isaanii bitaa dursuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nawawiin akkas jedhe: kun shari'aa keessatti foormulaa(qajeelfama) itti fufaa ta'edha, wanti kabajaa fi sadarkaan wol qabate hundi akka mudawwara, kofoo fi kophee uffachuu, masjiida seenuu, suwaakkachuu, kuullachuu, qeensa qorachuu, areeda funyaan jalaa gabaabsuu, rifeensa faaqqifachuu, rifeensa bobaa buqqisuu, rifeensa mataa aaddachuu, salaata irraa salaama baafachuu, qaamolee xahaaraa dhiqachuu, mana fincaaniitii ba'uu, nyaataa fi dhugaatii, harka wol fuuchuu, hajaral aswadiin dhungachuu fi kanneen birooo kana fakkaatan mirga dursuun jaallataamaadha, wontoonni faallaa kanaatiin ta'an immoo akka mana fincaanii seenuu, masjidaa ba'uu, furrii baafachuu, istinjaa godhachuu, mudawwara, kofoo fi kophee baafachuu fi kanneen kana fakkaatan, bitaa dursuun jaallatamaadha, kun hunduu kabajaa mirgaatii fi sadarkaa isaatiifi.
2. "Mirga dursuutu isaan jaallachiisa", jechuun: hojii keessatti harka mirgaatiin, miila mirgaatiin, cinaa mirgaatiin eegaluu fi mirgaan fudhachuu fi kennuu jechuudha.
3. Nawawiin akkas jedhe: beeki! qaamowwan wuduu'aa keessaa kan mirga dursuun jaallatamaa hin taanetu jira; innis gurra lameen, harka lameenii fi maddii lameeni, yeruma tokkotti woliin qulqulleefata, kun nama qaamni muramaa fi kan isa fakkaatanuuf kan rakkisu yoo ta'e immoo; mirga dursa.

(3018)

(214) – عن شداد بن أوس رضي الله عنه قال: ثِنْتَانِ حَفِظْتُهُمَا عَنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِنَّ اللهَ كَتَبَ الْإِحْسَانَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ، فَإِذَا قَتَلْتُمْ فَأَحْسِنُوا الْقِتْلَةَ، وَإِذَا ذَبَحْتُمْ فَأَحْسِنُوا الذِّبْحَ، وَلْيُحِدَّ أَحَدُكُمْ شَفْرَتَهُ، فَلْيُرِحْ ذَبِيحَتَهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(214) – Shaddaad ilma Aawsii irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: waa lama Ergamaa Rabbii irraan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haffaze, ni jedhan: "Rabbiin waan hunda irratti tola ooluu dirqama godheera yeroo ajjeeftan ajjeechaa tolchaa, yeroo gorraatan gorraasuu tolchaa, tokkoon keessan yeroo gorra'u billaa isaa haa qarfatu, gorra'amaa isaa haa boqachiisu". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin waan hundaaf tola ooluu nurratti dirqama akka godhe himan, tola ooluun: walitti fufiinsaan, ibaadaa isaa fi toltuu uumamtootaaf gumaachee hamtuu isaan irraa qabuu keessatti Rabbiin ofirratti too'achuudha, sana keessaa gorraasuu fi ajjeesuu keessatti tola ooluudha.

Yeroo gumaa baasanitti ajjeechaa keessatti tola ooluun: karaa irra laafaa, irra salphaa fi dhiiga nama ajjeefamuu buusuu keessatti irra ariifachiisaa ta'e filachuudha.

Qalma keessatti tola ooluun yeroo gorraasuutti ta'a: meeshaa ittiin gorra'amu qarsuun horiif rahmata ooluuni, horiin gorra'amtu osoo isiin ilaaltuu meeshaan ittiin gorra'amu qarfamuu dhabuuni, akkasumas osoo horiin biraa kan ilaaltu bira jirtuu gorra'uu dhabuuni.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rahmataa fi mararfannaa Rabbiin uumamtootaaf qabuudha.
2. Ajjeechaa fi gorraasuu tolchuu jechuun akka itti karaa godhameen raawwachuu jechuudha.
3. Guutina shari'aa fi khayrii hunda walitti qabachuu isaati, sana irraa lubbu qabeeyyiif rahmata gochuu fi jaraaf laphee baachuudha.
4. Booda waa ajjeesanii qaama isaa kukkutuu irraa dhoorguudha.
5. Hunda waan lubbu qabeeyyii cinquun isa keessa jiruu haraama taasisuudha.

(4319)

(215) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ الْمُقْسِطِينَ عِنْدَ اللهِ عَلَى مَنَابِرَ مِنْ نُورٍ، عَنْ يَمِينِ الرَّحْمَنِ عَزَّ وَجَلَّ، وَكِلْتَا يَدَيْهِ يَمِينٌ، الَّذِينَ يَعْدِلُونَ فِي حُكْمِهِمْ وَأَهْلِيهِمْ وَمَا وَلُوا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(215) – Abdullaah ilma Amrii irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Worri haqaan murteessan (guyyaa qiyaamaa) Rabbiin biratti teessoowwan ifa irraa ta'an irratti, gara mirga Rahmaaniin ta'ani, harki Isaa lameenuu miraga, isaan isaannan murtoo isaanii keessatti, maatiiwwan isaanii fi waan irraatti muudaman irratti haqa eeggatani". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbii rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaannan namoota bulchiinsa isaanii jala jiran, murtoo isaanii jala jiranii fi maatii isaanii gidduutti haqaa fi dhugaan murteessan guyyaa qiyaamaatti kabajaa isaaniif jecha teessoowwan haalaan ol fuudhamoo ifa irraa uumaman irra taa'u jedhanii himan. Teessowwan kun mirga Rahmaanitti argamu, harki Isaa lameenuu -Inni qulqullaa'e- mirgaadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa haqaan murteessuun qabuu fi isa irratti kakaasuudha.
2. Haqaan murteessuun bulchiinsa hundaa fi namoota gidduutti murtoo gochuu of keessatti qabata, inumaayyuu haadha manaa, ilmaanii fi kanneen biroo gidduutti haqaan murteessuunis isuma irraayi.
3. Sadarkaa worri haqaan murteessanu guyyaa qiyaamaatti qaban ibsuudha.
4. Sadarkaan worra iimaanaa guyyaa qiyaamaatti akka wol dhabaa ta'e agarsiisa, hunduu akkaataa hojii isaatiini.
5. Mala kajeelchisuutiin barsiisuun maloowwan da'awaa itti geessan keessaa isii nama waamamu Rabbiif ajajamuutti kakaastu keessaayi.

(4935)

(216) – عن أبي سعيد الخدري رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «لَا ضَرَرَ وَلَا ضِرَارَ، مَنْ ضَارَّ ضَرَّهُ اللَّهُ، وَمَنْ شَاقَّ شَقَّ اللَّهُ عَلَيْهِ». [صحيح بشواهده] - [رواه الدارقطني]

(216) – Abuu Sa'iid Al-khudriii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Of miidhuus ta'ee nama biraa miidhuunis hin ta'u, nama nama miidhe Rabbiin isa miidha, nama jabeesse Rabbiin isatti jabeessa". [Ragaalee isaatiin sahiiha] - [Daaraquxniitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- miidhaa gosa isaa kamiinuu fi bifa isaa kamiinuu lubbuu ofii fi worra biroo irraa deebisuun dirqama ta'uu ifa galchan, kanaafuu nama tokkoof haala wal qixa ta'een lubbuu ofii rakkisuun yookaan nama biraa rakkisuun hin eeyyamamuuf.

Miidhaa miidhaan deebisuun isaaf hin eeyyamamu; miidhaan miidhaadhaan waan hin deebifamneef jecha, yoo karaa gumaatiin ta'e qofa innis daangaa darbuun maletti.

Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sodaachisa nama nama miidhu miidhaan akka isa qaqqabu, akkasuma nama namatti jabeessu akka itti jabaatu ifa galchan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hanga miidhaman caalaatti kaffalachuu irraa dhoorguudha.
2. Rabbiin gabroota isaa waan isaan miidhutti hin ajajne.
3. Jechaan yookaan hojiidhaan yookaan dhiisuudhan beekaa miidhuus ta'ee wollaalaan miidhuun haraama ta'uudha.
4. Mindaan fakkaataa hojiiti, naama miidhe Rabbiin isa miidha, nama jabeesse Rabbiin isatti jabeessa.
5. Bu'uuraalee shari'aa keessaa: "miidhaan ni deemsifama",

sharii'aan miidhaa hin raggaasiftu, miidhuus ni mormiti. (4711)

(217) – عَنْ أَبِي مُوسَى رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِنَّمَا مَثَلُ الْجَلِيسِ الصَّالِحِ وَالْجَلِيسِ السَّوْءِ كَحَامِلِ الْمِسْكِ وَنَافِخِ الْكِيرِ، فَحَامِلُ الْمِسْكِ: إِمَّا أَنْ يُحْذِيَكَ، وَإِمَّا أَنْ تَبْتَاعَ مِنْهُ، وَإِمَّا أَنْ تَجِدَ مِنْهُ رِيحًا طَيِّبَةً، وَنَافِخُ الْكِيرِ: إِمَّا أَنْ يُحْرِقَ ثِيَابَكَ، وَإِمَّا أَنْ تَجِدَ رِيحًا خَبِيثَةً». [صحيح] - [متفق عليه]

(217) – Abuu Muusaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Fakkeenyi hiriyyaa gaarii fi hiriyyaa hamaa akka nama miskii baatee fi nama beeloo afuufuudha. Miskii namni baatu: Yookaan kennaa siif laata, yookaan immoo isa irraa bitatta, yookaan immoo urgaa namatti tolu isa irraa urgeeffatta. Namni beeloo afuufu ammoo: Uffata sirraa guba ykn ammoo hafuura badaa irraa argita». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- namoota irraa gosa lamaaf fakkeenya kaa'an:

Gosti jalqabaa: Hiriyyaa fi jaalallee gaarii kan waa'ee Rabbii fi waan Inni jaallatu nama agarsiisu, kan Rabbiif ajajamuu irratti gargaaruudha. Inni akka nama miskii gurguruuti Yookaan siif kenna, yookaan immoo isa irraa bitatta, yookaan immoo urgooftuu namatti tolu isa irraa argattee deemta.

Gosti lammaffaa: Hiriyyaa fi jaalallee hamaa karaa Rabbii irraa nama gufachiisu, cubbuu hojjechuuf kan nama gargaaruu fi nama gocha fokkisaa irraa argitu, kan nama akka isaa waliin

taa'uu fi itti hiriyoomuu keetin balaaleffamtuudha. Inni akka nama sibiila tumuuf ibidda afuufuuti; Yookaan uffata kee qaanqee balali'uun guba, yookaan immoo isaatti dhihaachuu irraa afuura ajaayu argita.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hiika isaa dhaggeeffataaf dhiheessuuf jecha fakkeenya fayyadamuun ni hayyamamaadha.
2. Namoota Rabbiif ajajamanii fi qajeeluma qaban waliin taa'uu irratti kakaasuu fi namoota badii fi warra safuu hin qabne irraa fagaachuu irratti kakaasuudha.

(3127)

(218) – عن أبي هريرة رضي الله عنه: أَنَّ رَجُلًا قَالَ لِلنَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: أَوْصِنِي، قَالَ: «لَا تَغْضَبْ» فَرَدَّدَ مِرَارًا قَالَ: «لَا تَغْضَبْ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(218) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu-: Namtichi tokko Nabiyyiidhaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- na gorsi jedheen: (Nabiyyiinis): "Hin dallanin" jedhaniin, gurbichi irra deddeebi'ee gaafannaan, isaanis deebi'anii akkana jedhaniin: "Hin dallanin". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Sahaabaan tokko -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- gara waan isa fayyadu tokkootti akka isa qajeelchan nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa barbaadee jennaan, isaanis dallanuu dhabuutti isa ajajani, akkas jechuun sababoowwan gara dallaansuutti isa geessan irraa fagaachuu jechuudha, akkasumas yeroo dallansuun isa mudatetti lubbuu

isaa to'achuudha, ajjeechaadhaan yookaan rukuttaadhaan yookaan arrabsuu fi waan sana fakkaatan raawwachuun dallansuu isaa keessatti hafuu hin qabu.

gurbichi dhaamsa barbaadu yeroo hedduu irra deddeebi'e, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- "Hin dallanin" jechuu malee hoomaa isaaf hin daballe.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dallansuu fi sababoowwan isaa irraa baqachiisuudha, isatu walitti qaba hamtuuti, isa irraa eeggachuun walitti qaba toltuuti.
2. Yeroo dhoorgaan Rabbii cabsame Rabbiif jecha dallanuun dallansuu faarfamaa irraayi.
3. Yeroo barbaachisaa ta'etti haasaa irra deddeebi'uu hanga namni dhaggeeffatu hubatee barbaachisummaa isaa barutti.
4. Sadarkaa beekaa irraa dhaamsa barbaaduun qabuudha,

(219) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «لَيْسَ الشَّدِيدُ بِالصُّرَعَةِ، إِنَّمَا الشَّدِيدُ الَّذِي يَمْلِكُ نَفْسَهُ عِنْدَ الْغَضَبِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(219) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Jabaan kan wallaansoo qabee injifatu osoo hin taane, dhugumatti jabaan isa yeroo dallansuutti lubbuu isaa too'atuudha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jabinni dhugaa jabina qaamaa akka hin taane yookaan isa namoota biroo humna qaban wallaansoon injifatu akka hin taane ifa galchani, dhugumatti humna qabeessi jabaan isa yeroo dallansuuun isatti jabaatutti lubbuu isaatti qabsaa'ee isii injifateedha; dandeettii lubbuu isaa too'achuu fi shayxaana injifachuu isaa wanti kun waan agarsiisuuf.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa obsaatii fi yeroo dallansuutti lubbuu ofii too'achuun qabu, inni hojiiwwan gaggaarii islaamummaan itti kakaase keessaa tokkoodha.
2. Yeroo dallansuutti lubbuu ofii irratti qabsaa'uun diina irratti qabsaa'uu irra jabaadha.
3. Islaamummaan madaallii jabina jaahiliyyummaa gara haala bareedduutti jijjiiruu isaati, humnaan irra jabaan namaa inni nama luugama lubbuu isaa too'ateedha.
4. Dallansuu irraa fagaachuudha, miidhaa inni dhuunfaa fi hawaasa irraan ga'uuf jecha.

(5351)

(220) – عن عبد الله بن عمر رضي الله عنهما قال: سَمِعَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ رَجُلًا يَعِظُ أَخَاهُ فِي الْحَيَاءِ، فَقَالَ: «الْحَيَاءُ مِنَ الْإِيمَانِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(220) – Abdullaah ilma Umar irraa odeeffamee -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namicha tokko kan saalfii irraa obboleessa isaa gorsu dhaga'anii, akkas jedhan: "Saalfiin iimaana irraayi". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namicha tokko kan obboleessa isaa saalfii akka dhiisuuf gorsu dhaga'anii, saalfiin iimaana irraa akka ta'e isaaf ifa galchan, inni toltuun malee hin dhufu.

Saalfiin waan bareedaa hojjachuu irratti nama kakaaasa, akkasumas waan fokkataa dhiisuu irratti nama kakaasa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Wanti toltuu hojjachuu irraa si dhoorgu saalfii jedhamee hin waamamu, inumaa sodaa, dadhabbii fi lugnummaa jedhamee waamama.
2. Rabbiin irraa saalfachuun waantoota itti ajajaman hojjachuu fi wantoota irraa dhoorgaman dhiisuudhaan ta'a.
3. Ummata irraa saalfachuun isaan kabajuu, iddoo isaaniif malu isaaniif kennuu fi aadaatti waan fokkatu irraa fagaachuun ta'a.

(5478)

(221) – عن المِقدام بن معدي كرب رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «إِذَا أَحَبَّ الرَّجُلُ أَخَاهُ فَلْيُخْبِرْهُ أَنَّهُ يُحِبُّهُ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي في السنن الكبرى وأحمد]

(221) – Miqdaam ibnu ma'adii karib -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyii irraa akka odeessetti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Namni tokko yeroo obboleessa isaa jaallate akka isa jaallatu isatti haa himu". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmiziin, Nasaa'iin kubraa keessattii fi Ahmadtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa kana keessatti tokkoo sababoowwan hariiroo gidduu mu'umintootaa cimsituu fi tan jaalala gidduu isaaniitti facaaftu ibsan, innis namtichi yeroo obboleessa isaa jaallatetti akka isa jaallatu isatti haa himu jechuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Faayidaa duniyaatiif osoo hin taane sadarkaa Jaalalli qulqulluun Rabbii ol ta'eef jechaa qabuudha.
2. Jaalallii fi walitti dhufeenyi akka dabaluuf Nama Rabbiif jecha jaallatan akka isa jaallatan Isatti himuun jaallatamaa ta'uudha.
3. Mu'umintoota gidduutti jaalala facaasuun obbolummaa iimaanaa jabeessa, akkasumas diigamuu fi adda ba'uu irraa hawaasa tiksa.

(3017)

(222) – عن جابر بن عبد الله رضي الله عنهما عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «كُلُّ مَعْرُوفٍ صَدَقَةٌ». [صحيح] - [رواه البخاري من حديث جابر، ورواه مسلم من حديث حذيفة]

(222) – Jaabir ilma Abdullaa irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: "Toltuun hunduu sadaqaadha". [sirrii] - [bukhaariitu hadiisa jaabir irraa odeesse. Muslim immoo hadiisa Huzeyfaa irraa odeesse]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa

buusu- hundi toltuu fi jechaan yookaan gochaan namoota biroo fayyaduun sadaqaa akka ta'e himani, akkasumas mindaan isa keessa akka jirus himaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadaqaan qabeenya irraa waan ilmi namaa baasu qofaaan hin daangeffamtu, hunda toltuu ilmi namaa hojjatuu yookaan dubbatee namoota biroof qaqqabsiisuu walitti qabatti.
2. Toltuu fi hunda waan isa keessa namoota biroof faayidaan jiruu keessatti tattaaffachuutti kakaasuutu isa keessa jira.
3. Osoma waan xiqqoo ta'ellee toltuu irraa homaa tuffachuu dhabuudha.

(5346)

(223) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «كُلُّ سُلَامَى مِنَ النَّاسِ عَلَيْهِ صَدَقَةٌ، كُلَّ يَوْمٍ تَطْلُعُ فِيهِ الشَّمْسُ يَعْدِلُ بَيْنَ الِاثْنَيْنِ صَدَقَةٌ، وَيُعِينُ الرَّجُلَ عَلَى دَابَّتِهِ فَيَحْمِلُ عَلَيْهَا أَوْ يَرْفَعُ عَلَيْهَا مَتَاعَهُ صَدَقَةٌ، وَالكَلِمَةُ الطَّيِّبَةُ صَدَقَةٌ، وَكُلُّ خُطْوَةٍ يَخْطُوهَا إِلَى الصَّلَاةِ صَدَقَةٌ، وَيُمِيطُ الأَذَى عَنِ الطَّرِيقِ صَدَقَةٌ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(223) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan. «Humna ilma namaa guutuu irra sadaqaatu jira, guyyaa aduun baatu hundatti nama lama walitti araarsuun sadaqaadha, nama tokko yaabbii isaa akka yaabbatu ykn meeshaa isaa akka irratti fe'atu gargaaruun sadaqaadha, jechi gaariin sadaqaadha, tarkaanfiin inni gara salaatatti godhu

hundi sadaqaadha, wantoota miidhaa geessisan karaa irraa deemsisuun sadaqaadha». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Muslima dirqama qabu hunda irratti guyyaa guyyaan Lakkoofsa humna lafee isaatin sadaqaan sunnaa akka jiruu fi sadaqaan kunis Rabbiin ol tahe fayyaa waan isaaf kenneef galateeffachuuf jecha akka tahe ibsan. Lafeen isaa humna humna qabaachuun qabuu fi diriirsuu irratti isa gargaara. Sadaqaan kun hojii gaarii hundaan kan raawwatamu yoo ta'u, maallaqa kennuu irratti kan hin dhaabbanne ta'uu ibsaniiru, kanneen keessaa: Nama lama kan wal dhaban walitti araarsuun kee sadaqaa dha. Nama dadhabaa yaabbii isaa akka yaabbatu ykn meeshaa isaa akka irratti fe'atu gaargaaruun kee sadaqaadha. Jechi gaariin kan akka zikrii, du'aa'ii, salaamtaa namaan jechuu fi kan biroos sadaqaadha. Tarkaanfiin ati gara salaatatti gootu hundi sadaqaa dha. Waan miidhaa geessisu karaa irraa deemsisuun sadaqaa dha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Akkaataan lafeen ilma namaa walitti itti qabamee fi nagaa tahuun isaa qananiiwwan gurguddoo Rabbiin ol tahe namaaf kenne keessaa isa tokkoodha, qananii kana irratti galateeffachuuf tokkoo tokkoon lafee kana hunda irraa sadaqaa baasuun barbaachisaadha.
2. Itti fufiinsa qananii kanaatiif guyyaa guyyaan galata akka haaromsinu jajjabeessuu fi hawwisiisuudha.
3. Guyyaa guyyaan itti fufinsaan sunnoowwanii fi sadaqaalee hojjechuu irratti kakaasuudha.

4. Namoota wal lolan jiddutti araara buusuun sadarkaa qabaachuudha.
5. Namni tokko obboleessa isaa akka gargaaru kakaasuudha; sababni isaas inni isa gargaaruun sadaqaa waan taheef jecha.
6. Namoonni jamaa'aa irratti akka argamanii fi miilaan gara sanitti akka deeman kakaasuudha, akkasumas masjiidota sanaan akka jiraachisan kakaasuudha.
7. Waan isaan rakkisu ykn miidhu kamiyyuu irraa fagaachuun karaa muslimootaa kabajuun dirqama ta'uudha.

(4568)

(224) – عَنْ أَبِي بَرْزَةَ الأَسْلَمِيِّ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «لَا تَزُولُ قَدَمَا عَبْدٍ يَوْمَ القِيَامَةِ حَتَّى يُسْأَلَ عَنْ عُمُرِهِ فِيمَا أَفْنَاهُ، وَعَنْ عِلْمِهِ فِيمَ فَعَلَ، وَعَنْ مَالِهِ مِنْ أَيْنَ اكْتَسَبَهُ وَفِيمَ أَنْفَقَهُ، وَعَنْ جِسْمِهِ فِيمَ أَبْلَاهُ». [صحيح] - [رواه الترمذي]

(224) – Abuu Barzaa al-aslamii irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Miilli gabrichaa lamaan guyyaa qiyaamaa hin sochootu, umurii isaa maal keessatti akka fixe, beekumsa isaa maal akka itti hojjete, qabeenya isaa eessarraa akka carraaqee fidee fi maal keessatti akka isa baasee fi qaama isaa maal keessatti akka fixe irraa hanga gaafatamutti". [sirrii] - [Tirmiziitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- namoota irraa namni tokkolleen hanga wantoota kenneen irraa gaafatamutti guyyaa qiyaamatti eddoo herregaa bira gara jannataa ykn ibiddaa akka hin dabarre himan:

Tokkoffaan: Jiruu isaa maal keessatti akka isii fixeedha?

Lammaffaan: Beekumsa isaa Rabbiif jecha bartee? itti hoo dalagee? nama maluuf hoo isa dabarseedha?

Sadaffaan: Qabeenya isaa eessarraa akka carraaqee fide halaala moo haraama irraayii? maal keessatti baasii akka isa godhe waan Rabbiin jaallachiisu moo ykn waan Isa dallansiisu keessattii?

Afraffaan: Qaama isaa, humna isaa, fayyaa isaati fi dargaggummaa isaa maal keessatti dabarseedha?

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Jiruu ofii waan Rabbiin jaallachiisu keessatti fayyadamuu irratti kakaasuudha.
2. Qananiiwwan Rabbiin ol ta'e gabrootaaf godhe hedduudha, nama hundaayyuu qananii kana irraa gaafachuuf taa'a, kanaafuu qananiiwwan Rabbii waan Isa jaallachiisu keessa kaayuudha qabaadha.

(4950)

(225) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ قَالَ: قَالَ النَّبِيُّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «السَّاعِي عَلَى الأَرْمَلَةِ وَالمِسْكِينِ، كَالْمُجَاهِدِ فِي سَبِيلِ اللَّهِ، أَوِ القَائِمِ اللَّيْلَ الصَّائِمِ النَّهَارَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(225) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas

jedhan: “Namni dubartii abbaan manaa irraa du’ee fi nama rakkate kunuunsu, akka nama karaa Rabbii irratti qabsaayuuti, ykn akka nama halkan dhaabatee guyyaa soomuuti". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Namni dantaa/faayidaa dubartii abbaan manaa ishee du’ee fi nama dhimma ishee eegu hin qabne, akkasumas hiyyeessaa fi rakkataa kunuunsu mindaa Rabbii ol ta’e biratti herregataa haala ta'een, inni akka nama karaa Rabbii irratti qabsaayuu ykn akka nama salaata tahajjudaa dhaabbatee hin dadhabnee, akka nama soomu Kan sooma hin hiikneeti jechuudha himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Wal gargaaruu, wal bira dhaabbachuu fi dhimmoota warra dadhaboo ta'anii baasuu irratti nama kakaasuudha.
2. Ibaadaan hojii gaarii hunda kan hammatu yoo ta’u, ibaadaa keessaa ammoo dubartii abbaan manaa irraa du’ee fi hiyyeessa deeggaruudha.
3. Ibnu Hubayraan akkana jedhe: akkas jechuun Rabbiin olta’e mindaa nama soomuu, kan salaataaf dhaabbatuu fi mindaa nama Rabbiif jecha qabsaa’uu yeroo tokkotti walitti qabaaf jechuudha; waan namichi kun dubartii abbaan manaa ishee irraa du'eef bakka abbaa manaa ishee dhaabbatee fi namicha hiyyeessa ofii isaatii waa gochuu dadhabe horii fi humna isaatiin isa gargaareef jecha, bu'aan inni isaaniif buuse egaa sooma, salaataa fi jihaada waliin wal qixa ta'a.

(3135)

(226) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عن رسولِ الله صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ كَانَ يُؤْمِنُ بِاللهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ فَلْيَقُلْ خَيْرًا أَوْ لِيَصْمُتْ، وَمَنْ كَانَ يُؤْمِنُ بِاللهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ فَلْيُكْرِمْ جَارَهُ، وَمَنْ كَانَ يُؤْمِنُ بِاللهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ فَلْيُكْرِمْ ضَيْفَهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(226) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu-Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namni Rabbii fi guyyaa Aakhiraatti amane toltuu haa dubbatu yookaan immoo haa callisu, namni Rabbii fi guyyaa Aakhiraatti amane ollaa isaa haa kabaju, namni Rabbii fi guyyaa Aakhiraatti amane keessummaa isaa haa kabaju". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gabrichi Rabbii fi guyyaa dhumaa isa deebiin isaa gara isaatti ta'ee fi isa isa keessatti hojii isaatiin mindeeffamutti amane, iimaanni isaa wantoota kana hojjachuutti isa kakaasa jechuudha ibsan:

Tokkoffaan: jecha gaariidha: sun akka subhaanallaa jechuu, laa ilaaha illallaah jechuu, toltuutti ajajuu fi hamtuu irraa dhoorguu fi namoota gidduu wolitti tolchuuti, kana yoo hin hojjanne haa callisuu, hamtuu isaas haa saassaabbatu, arraba isaas haa eeggatu.

Lammaffaan: ollaa kabajuudha: tola isatti ooluu fi azaa isa gochuu dhabuun.

Sadaffaan: keessumaa ziyaaraa keetiif dhufu kabajuudha: haasawa toluun, nyaata nyaachisuu fi kan sana fakkaataniin isa kabajuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rabbiii fi guyyaa dhumaatti amanuun bu'uura toltuu hundaati, akkasuma toltuu hojjachuutti nama kakaasaadha.
2. Balaa arrabaa irraa sodaachisuudha.
3. Amantaan islaamaa amantaa tokkummaa fi arjummaati.
4. Wantoonni kun damee iimaanaa fi namuusa faarfamtuu taate irraayi.
5. Haasawa hedduummaachuun gara waan jibbamaatti yoookaan gara haraamaatti geessuutu mala, haasawuu dhiisuu keessa nagaan jira yoo toltuu ta'e malee.

(5437)

(227) – عن أبي ذر رضي الله عنه قال: قال لي النَّبيُّ صلى الله عليه وسلم: «لَا تَحْقِرَنَّ مِنَ الْمَعْرُوفِ شَيْئًا، وَلَوْ أَنْ تَلْقَى أَخَاكَ بِوَجْهٍ طَلْقٍ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(227) – Abuu Zarri irraa odeefamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas naan jedhani: "Tooltuu irraa homaa hin tuffatin, fuula ifaa ta'een obboleessa keetiin wol gahuu osoo ta'ellee". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- toltuu hojjachuu fi osoma xiqqoo ta'eellee isa tuffachuu dhabuutti kakaasani, sana irraa yeroo wol geettii seequun fuula ifuudha, muslimaaf isa irratti bololuun barbaachisaadha; obboleessa muslimaa mukuu baasuu fi gammachuu isatti seensisuun waan isa keessa jiruuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa Mu'umintoota gidduutti wol jaallachuunii fi yeroo wol geettiitti seequu fi gammaduun qabuudha.
2. Guutumummaa shari'aa kanaatii fi waan hundaa kan of keessatti qabate ta'uu isaati, inni dhugumatti hunda waan isa keessa tolinni muslimootaa fi tokkummaan isaanii jiruun dhufe.
3. Yoo xiqqaatellee toltuu hojjachuutti kakaasuudha.
4. Muslimootatti gammachuu seensisuun jaallatamaa ta'uu isaati; tokkummaa gidduu isaaniitti dhugoomsuun waan sana keessa jiruuf.

(5348)

(228) – عن جرير بن عبد الله رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَنْ لَا يَرْحَمِ النَّاسَ لَا يَرْحَمْهُ اللهُ عَزَّ وَجَلَّ». [صحيح] - [متفق عليه]

(228) – Jariir ilma Abdullaah irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Nama namaaf rahmata hin goone Rabbiin ol ta'e rahmata isaaf hin godhu". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama namaaf rahmata hin goone Rabbiin ol ta'e rahmata akka isaaf hin goone ibsan, gabrichi uumamtootaaf rahmata gochuun sababaawwan guddoo ittiin rahmata Rabbii ol ta'ee argatan irraayi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rahmanni hunda uumamtootaatiif barbaachiftuudha, garuu nama addatti kan dubbateef isaaniif dhimmamuudhaani.
2. Rabbiin Isaatu mararfataadha gabroottan Isaa kan mararfatoo ta'aniif rahmata ni godha, mindaan fakkaataadhuma hojiiti.
3. Namaaf rahmata gochuun toltuu jaraaf qaqqabsiisuu, hamtuu isaan irraa deebisuu fi haala bareedaa ta'een isaaniin waliin jiraachuu wolitti qabata.

(5439)

(229) – عن عبد الله بن عمرو رضي الله عنهما أَنَّ النَّبِيَّ صلى الله عليه وسلم قال: «الرَّاحِمُونَ يَرْحَمُهُمُ الرَّحْمَنُ، ارحَمُوا أَهْلَ الْأَرْضِ يَرْحَمْكُم مَن فِي السَّمَاءِ». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وأحمد]

(229) – Abdullaah ilma Amrii irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Warra rahmata namaa godhan, Rahmaan(Rabbiin) rahmata godhaaf, warra dachii irra jiraniif rahmata godhaa, Inni samii keessa jiru rahmata isiniif godhaa". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namoota nama birootif rahmata godhan, Rabbiin rahmata Isaa waan hundumaa hammateen mindaa dalagaa isaanii gituun rahmata akka isaanif godhu ibsan.

Ergasii isaan(nabiyyiin) nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, namas ta'ee ykn bineensa ykn simbirroo ykn gosoota uumamaa irraa waan biroos ta'ee wantoota dachii irra jiran hundaaf rahmata gochuutti ajajan, midaan saniitis Rabbiin samiiwwan gubbaa rahmata isaanif gochuu akka ta'e ibsaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Amantiin Islaamaa amantii rahmataa yoo ta’u, innis hundummaan isaatuu Rabbiif ajajamuu fi uumamaaf tola ooluu irratti hundaa’aadha.
2. Rabbiin ol ta'e rahmata gochuun kan beekamu yoo ta’u, Inni -qulqullaa'e- akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaadha, rahmataas gara gabroota Isaatti geessaadha.
3. Mindaan fakkaatuma hojii waan ta'eef, namoota namaafis ta'ee waan biraatif rahmata godhan Rabbiin rahmata godhaaf.

(8289)

(230) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرٍو رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «الْمُسْلِمُ مَنْ سَلِمَ الْمُسْلِمُونَ مِنْ لِسَانِهِ وَيَدِهِ، وَالْمُهَاجِرُ مَنْ هَجَرَ مَا نَهَى اللَّهُ عَنْهُ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(230) – Abdullaah bin Amrii irraa odeeffamee, Rabbiin isaan irraa haa jaalatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahamnni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Muslima jechuun nama arrabaa fi harka isaa irraa Muslimoonni nagaa ta’aniidha, godaanaa jechuun immoo nama wanta Rabbiin dhoorge dhiiseedha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Muslimni Islaamummaa guutuu qabu nama arraba isaa irraa muslimoonni nagaa ta'ani jechuudha himani, kana jechuun isaan hin arrabsu, hin abaarusi, hin hamatuus, arraba isaatiin miidhaa gosa kamiinuu isaanitti hin dhaqqabsiisu jechuudha. Akkasumas Harka isaa irraa kan nagaa bahani jechuu himani, kana jechuun isaanitti daangaa hin darbu, horii isaanitiis haqaan malee hin fudhatuu fi kkf jechuudha. Akkasumas Godaanaa jechuun nama waan Rabbiin haraama taasise dhiise jechuu himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Guutumminni Islaamummaa qaamaanis ta'ee naamusaan namoota biroo irratti miidhaa geessisuu dhiisun malee hin argamu.
2. Wanni Arrabaa fi harka addatti dubbateef; waan dogongoraa fi badiin isaanii heddummaatuuf jecha, irra guddaan badiiwwanii isaan lamaan irraa argama.
3. Badiiwwan dhiisanii waan Rabbiin ol ta'e itti ajaje qabachuu irratti kakaasuudha.
4. Caalaan muslimootaa nama haqa Rabbiiti fi haqa muslimootaa eeggateedha.
5. Namatti daangaa dabruun jecha yookaan gochaan ta'uu danda'a.
6. Godaansi guutuun waan Rabbiin haraama taasise dhiisuudha.

(10101)

(231) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «حَقُّ الْمُسْلِمِ عَلَى الْمُسْلِمِ خَمْسٌ: رَدُّ السَّلَامِ، وَعِيَادَةُ الْمَرِيضِ، وَاتِّبَاعُ الْجَنَائِزِ، وَإِجَابَةُ الدَّعْوَةِ، وَتَشْمِيتُ الْعَاطِسِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(231) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu ni jedhe- Ergamaa Rabbiitii akkas jedhuun dhaga'e -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: "Haqni muslimaa muslima irratti waa shani, isaanis: salaamataa deebisuu, dhukkubsataa gaafachuu, janaazaa hordofuu, waamicha owwaachuu fi nama haxxiffateen "Yarhamukallaah" jechuudha". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- garii haqoota muslimni tokko obboleessa isaa muslimaa irraa qabu ifa galchan. Jalqabni haqoota kanaadhaa nama salaamataa siin jedheef salaamataa deebisuudha.

Haqni lammaffaa: dhukkubsataa gaafachuu fi isa ziyaaruudha.

Haqni sadaffaa: Mana isaatii hanga bakka irratti salaatamuu fi hanga iddoo qabriitti janaazaa hordofuudha.

Haqni afraffaa: Yeroo gara affeerraa cidhaa fi kan birootti isa waametti waamicha owwaachuudha.

Haqni shanaffaa: Nama haxxiffate gammachiisuudha, innis yeroo namichi haxxiffatee Alhamdulillaah jedhetti: Yarhamukallaah isaan jechuudha, eegasii namni haxxiffate sun: Yahdiikumullaahu wayuslihu baalakum jedha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Muslimootii gidduutti haqoota mirkaneessuu, obbolummaa fi jaalala gidduu isaaniitti gad jabeessuu keessatti guddina islaamummaan qabuudha.

(3706)

(232) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «لَا تَدْخُلُونَ الْجَنَّةَ حَتَّى تُؤْمِنُوا، وَلَا تُؤْمِنُوا حَتَّى تَحَابُّوا، أَوَلَا أَدُلُّكُمْ عَلَى شَيْءٍ إِذَا فَعَلْتُمُوهُ تَحَابَبْتُمْ؟ أَفْشُوا السَّلَامَ بَيْنَكُمْ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(232) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: "Hanga amantanitti Jannata hin seentan, hanga wal jaallattanitti hin amantan, waan yoo isa hojjattan wal jaallattanitti isin qajeelchuu? salaamtaa gidduu keessanitti waliin jechuu heddummeessaa". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mu'umitoota malee namni biraa akka jannata hin seenne fi iimaanni akka hin guutamne, akkasumas hanga gariin isaanii garii jaallatutti haalli hawaasa muslimaas akka hin tolle ibsaniiru. Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gara irra caalaa wantoota wal jaallachuuf sababaa ta'anitti qajeelchan, innis salaamtaa Rabbiin gabroota Isaatif kabajaa taasise gidduu muslimootatti waliin jechuu heddummeessuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Jannata seenuun iimaanan malee hin ta'u.
2. Guutummina iimaanaa irraa Muslimni tokko waan ofii isaatiif jaallatu obboleessa isaatif jaallachuudha.
3. Gidduu muslimootatti salaamtaa babal'isuun jaallatamaa ta'uudha; sababni isaas waan isa keessa gidduu namootatti jaalalaa fi nageenya babal'isuun jiruuf jecha.
4. Salaamtaan muslima malee nama birootin hin jedhamu; sababbni isaas Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- waan akkana jedhaniif jecha: "Gidduu keessanitti".
5. Salaamtaa waliin jechuu keessa wal muruu, waliin ooduu fi wal jibbuu balleessuutu jira.
6. Gidduu muslimootatti wal jaallachuun barbaachisaa ta'uu fi innis guutummina iimaanaa irraa ta'uudha.
7. Hadiisa biraa keessatti jechi salaamtaa guutuu ta'ee akkana jechuutu jira: "Assalaamu Aleykum warahmatullahi wabarakaatuh", akkana jechuunis: "Assalaamu Aleykum" ni gaya.

(3361)

(233) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرٍو رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا: أَنَّ رَجُلًا سَأَلَ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: أَيُّ الإِسْلاَمِ خَيْرٌ؟ قَالَ: «تُطْعِمُ الطَّعَامَ، وَتَقْرَأُ السَّلاَمَ عَلَى مَنْ عَرَفْتَ وَمَنْ لَمْ تَعْرِفْ». [صحيح] - [متفق عليه]

(233) – Abdullaah bin Amrii irraa odeeffamee, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu: Namichi tokko Nabiyyicha -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhee gaafate: Islaamummaa

keessaa kamtu caala? isaanis akkas jedhaniin: "Nyaata nyaachifta, warra beektu fi warra hin beeknenis salaamataa jetta". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- gaaffii kana irraa gaafatamnaan: Amaloota Islaamaa keessaa kamtu caala? Amaloota lama kaasan:

Inni jalqabaa: hiyyeeyyii nyaachisuu baay'isuudha, isa keessa tola ooltummaan, kennaan, keessummeessuu fi affeerraan cidhaa kan galu yoo ta'u, yeroo beelaa fi gatiin jireenyaa qaala'e nyaachisuun immoo daran caalaa ta'a.

Inni lammataa: muslima hunda, beektus beekuu baattus salaamataa isaan jechuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sahaabaan amaloota addunyaa fi aakhiraa keessatti nama fayyadan beekuuf fedhii guddaa akka qabaniidha.
2. Salaamataa jechuu fi nyaata nyaachisuun hojiiwwan Islaama keessatti caalaa ta'an keessaa tokko; Sababni isaas sadarkaa qabaachuu isiiti fi namoonni yeroo hunda keessatti waan itti haajamaniif jecha.
3. Amaloota lamaan kana jalatti jechaa fi gochaan waliin tola hojjechuun akka hammatamaniidha, inni tola ooltummaa hunda caalaa guutuudha.
4. Amaloonni kunneen akkaataa Muslimoonni waliin itti jiraataniin kan walqabatu yoo ta'u, hariiroo gabrichi Rabbii isaa wajjiin qabaachuu qabu keessatti amaloota biroo hedduutu jiru.
5. Salaamataan jalqabuun muslimoota qofaaf waan ta'eef

kaafira dursanii isaan salaamataa jechuun hin ta'u.
(5808)

(234) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «أَلَا أَدُلُّكُمْ عَلَى مَا يَمْحُو اللهُ بِهِ الْخَطَايَا، وَيَرْفَعُ بِهِ الدَّرَجَاتِ؟» قَالُوا بَلَى يَا رَسُولَ اللهِ قَالَ: «إِسْبَاغُ الْوُضُوءِ عَلَى الْمَكَارِهِ، وَكَثْرَةُ الْخُطَا إِلَى الْمَسَاجِدِ، وَانْتِظَارُ الصَّلَاةِ بَعْدَ الصَّلَاةِ، فَذَلِكُمُ الرِّبَاطُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(234) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Waan Rabbiin diliiwwan isaan haqee sadarkaalee isaan ol kaasutti isin qajeelchuu?» ni jedhan: Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii, isaanis ni jedhan: «wuduu'a osoo namatti jabaatuu waliin gahuun raawwachuu, gara masjiidotaatti tarkaanfii baay'isuu fi salaata booda salaata biraa eeggachuudha, suni hidhannaa cimaa». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- hojiilee diliiwwaniif araarama argachuu fi kitaabban tiksitootaa irraa haqamuu isheeti fi sadarkaaleen jannata keessatti ol ka'uuf sababaa tahan irratti isaan qajeelchuu akka barbaadan sahaabota isaanii gaafatan?

Sahaabonni akkana jedhan: Eeyyee, nuti akkas barbaanna. isaanis ni jedhan:

Inni jalqabaa: Rakkina akka qorraa, hanqina bishaanii, dhukkubbii qaamaa fi bishaan hoo'aa ta'uu waliin wuduu'a guutanii raawwachuudha.

Lammaffaan: Manni irraa fagaatuu waliin gara masjidaatti

tarkaanfii heddummeessuudha.

Sadaffaan: Yeroo salaataa eeggachuu, qalbii itti rarra'uu, itti of qopheessuu fi masjiida keessa jamaa'aa eeggachuuf taa'uudha, Yeroo salaata raawwate hanga salaanni biraa dhuftutti bakka itti salaate san tura.

Sana booda Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhimmoonni kun dubbii hidhannaa dhugaa ta'uu ibsan; sababni isaas karaawwan sheyxaanaa nafsiyyaa irraa waan cuftee, fedhii ishee waan gad qabdee, waswaasa qeebaluu irraa waan ishee dhoorgituuf jecha, kanaani ummatni Rabbii waraana sheyxaanaa injifata; kun jihaada guddaadha, sababaa kanaan sadarkaa hidhannaa eddoo diinaa irratti taate.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Barbaachisummaa salaata jamaa'aa masjiida keessatti eeggachuuti fi salaataaf xiyyeeffannaa kennuu fi irraa shaagaluu dhabuuti.
2. Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- dhiheessii gaarii dhiheessanii sahaaboota isaanii hawwisiisuudha, sunis bifa gaafitiin mindaa guddaan eegaluuni, kunis mala baruu fi barsiisuu keessaa isa tokkoodha.
3. Faayidaa dhimmicha bifa gaaffii fi deebitiin dhiheessuu: Haasaan sun caalaatti akka qabamu gochuudha, sababaa dhoksanii eegasii ibsuutin.
4. Nawawiin, Rabbiin rahmata isaaf haa godhuu, akkana jedhe: Sun hidhannaadha, jechuun: Hidhaa barbaachisaa ta'eedha, ka'umsi hidhaa immoo waan tokkotti hidhuudha, akka waan lubbuu isaa Rabbiif ajajamuu irratti hidheeti. Akkas jedhame: inni irra caalaa hidhannaati, Akkuma

jedhame: qabsoon qabsoo lubbuu ofiitin waliin godhan, inni hidhannaa laafaa mijjataa ta'eedha, jechuun: inni gosoota hidhannaa keessaa isa tokko jechuudha.

5. Jechi "Ribaax" jedhu (al)iin waa beeksiftu irratti galuun wajjiin deddeebi'eera; sunis dhimma gochoota kanneenii guddisuuf jecha.

(3574)

(235) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «الْمُؤْمِنُ الْقَوِيُّ، خَيْرٌ وَأَحَبُّ إِلَى اللهِ مِنَ الْمُؤْمِنِ الضَّعِيفِ، وَفِي كُلٍّ خَيْرٌ، احْرِصْ عَلَى مَا يَنْفَعُكَ، وَاسْتَعِنْ بِاللهِ وَلَا تَعْجَزْ، وَإِنْ أَصَابَكَ شَيْءٌ، فَلَا تَقُلْ لَوْ أَنِّي فَعَلْتُ كَانَ كَذَا وَكَذَا، وَلَكِنْ قُلْ قَدَرُ اللهِ وَمَا شَاءَ فَعَلَ، فَإِنَّ (لَوْ) تَفْتَحُ عَمَلَ الشَّيْطَانِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(235) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: "Mu'uminni cimaatu Rabbiin biratti mu'umina laafaa irra caala, irra jaallatamaasi, haa jennuu malee hunduma keessa kheyriin ni jira, waan si fayyadu irratti bololi, Rabbiin gargaarsifadhu malee hin dadhabin, wanti ati hin jaallanne wahii yoo si mudate, osoon akkasii fi akkas godhee silaa akkasii fi akkas ta'a ture hin jedhin, Garuu akkas jedhi: Rabbiin waan fedhe dabarse, wahuma fedhe hojjate, sababni isaas (osoon) hojii sheyxaanaa waan namatti bantuuf jecha". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu-

namni mu'uminaa hunduu gaarii akka ta’e ibsan, garuu mu’umina amantii, murannoo, qabeenya isaati fi karoowwan ciminaa irraa waan biroo keessatti cimaa taheetu Rabbiin biratti mu'umina laafaa irra caala irra jaallatamaasi. Eegasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- dhimmoota addunyaa fi Aakhiraa irraa waan isa fayyadu keessatti Rabbirratti hirkatee Isaan gargaarsifachaa sababowwan geessuudha mu'uminaaf dhaaman. Eegasii nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatuu waan biyya lamaanitti nama fayyadu irraa dadhabuu fi ceem'uu irraa dhoogan. Rabbiin gargaarsifatee mu'uminni ciminaan yoo hojjete, sababootas yoo geesse, kheyrii Rabbiin irraa yoo barbaade, booda kanaatii dhimma isaa hunda Rabbitti hirkisuu yoo ta'e malee homaa isa irra hin jiru, filannoon Rabbii ol ta'ee isaaf gaarii ta’uu isaa beekuudha qaba, Sana booda balaan yoo isa mudate akkas jechuu hin qabu: “Osoon ani hojjedhee silaa akkasii fi akkas ta’a ture”; “Sababni isaas (osoo) jechuun hojii sheyxaanaa waan namatti bantuuf jecha” sun qadara mormuu fi waan darbeef boo’uu keessatti muldhata, garuu harka kennachuu fi jaalalaan akkas jedha: “Rabbiin waan fedhe dabarse, waan fedhes hojjete". Wanti ta’e hundinuu fedha Rabbiitini, sababni isaas Inni waan barbaade hojjeta, wanni murtee Isaa deebisuu fi dura dhaabbatu hin jiru waan ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namoonni iimaana keessatti wal caaluudha.
2. Dalagaa keessatti ciminni barbaadamuudha; sababni isaas faayidaa dadhabbiin hin argamneetu ciminaan argama waan ta'eef jecha.

3. Namni waan isa fayyadu irratti bololee, waan isa hin fayyanne immoo dhiisuutu barbaachisaadha.
4. Mu'uminni dhimmoota isaa hundumaa keessatti gargaarsa Rabbii barbaaduun isa irratti dirqama, ofitti hirkachuu hin qabu.
5. Qadaa fi qadara mirkaneessuudha, innis sababoowwan geessuu fi kheyrii barbaaduu keessatti tattaafachuu wajjiin kan wal hin faallessine ta'uudha.
6. Yeroo balaan mudatu aarii irraa kan ka'een "osoo" jechuu irraa dhoorguudha, akkasumas murtee Rabbii ol ta'ee mormuun haraama ta'uudha.

(5493)

(236) – عن ابن عمر رضي الله عنهما قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَا زَالَ يُوصِينِي جِبْرِيلُ بِالْجَارِ، حَتَّى ظَنَنْتُ أَنَّهُ سَيُوَرِّثُهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(236) – Abdullaah ilma Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Jibriil haqa ollaa naaf dhaamuu irraa booda hin jenne, hangan isa ni dhaalchisa jedhee yaadu tokkotti". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Jibriil waan ollaa isaan irratti deddeebisuu fi ollatti yaaddawuutti ajajuu akka hin dhiisin hin himan, ollaan isa manaan dhihoo, muslimas ta'ee kaafira, firas ta'ee kan biraa, haqa isaa eeguu fi azaa isa gochuu dhabuun, akkasuma tola isatti ooluu fi azaa isaa irratti obsuun, haqa ollaa guddisuu fi

Jibriil sana irra deddeebi'uu irraa kan ka'een hanaga Nabiyyiin -Rabbiin raahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wahyiin qabeenya ollaa isaa kan booda du'a isaatii bakka isaa bu'u isaaf kennuutti ajajuun bu'a jedhanii yaadanutti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haqni ollaa guddaa ta'uu isaatii fi sana eeguun dirqama ta'uu isaati.
2. Dhaamsaan haqa ollaa irratti jabeessuun isa kabajuu, gara isaatti jaallatamuu barbaaduu fi isatti tola ooluun hafiinsa kan hin qabne ta'uu akeeka, akkasumas miidhaa isa irraa deebisuu, yero dhukkubaatti isa gaafachuu, yeroo gammachuutti isa eebbisuu fi yeroo balaatti isa obsisiisuunis hafiinsa kan hin qabne ta'uu akeeka.
3. Balbalti ollaa hanguma irra dhihoo ta'een haqni isaas irra jabaa ta'a.
4. Ollaatti tola ooluu fi miidhaa isaan irraa deebisuu keessatti waan toliinni hawaasaa keessa jiru kan shari'aan ittiin dhufte keessatti guutina shari'aatu jira.

(4965)

(237) – عن أبي الدرداء رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ رَدَّ عَنْ عِرْضِ أَخِيهِ رَدَّ اللهُ عَنْ وَجْهِهِ النَّارَ يَوْمَ الْقِيَامَةِ». [صحيح] - [رواه الترمذي وأحمد]

(237) – Abuu Addardaa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Namni kabajaa obboleessa isaa irraa ittise Rabbiin guyyaa qiyaamaatti fuula isaa irraa ibidda deebisa". [sirrii] - [Tirmizii fi Ahmad tu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isa arrabsuu fi yookaan isatti hamtuu hojjachuu dhoorguun namni kabajaa obboleessa isaa muslimaa irraa bakka inni hin jirretti ittise, Rabbiin guyyaa qiyaamaatti adabbii isa irraa ittisa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Kabajaa muslimootaa tuquu irraa dhoorguudha.
2. Mindaan fakkaataa hojiiti, namni kabajaa obboleessa isaa irraa ittise Rabbiin ibidda isa irraa ittisa.
3. Islaamummaan amantaa gidduu hordoftoota isaatti obbolummaa fi woliif tumsuu jabeessudha.

(5514)

(238) – عن عائشة رضي الله عنها زوجِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «إِنَّ الرِّفْقَ لَا يَكُونُ فِي شَيْءٍ إِلَّا زَانَهُ، وَلَا يُنْزَعُ مِنْ شَيْءٍ إِلَّا شَانَهُ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(238) – Aa'ishaa haadha manaa nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Gara laafummaan waan tokko keessatti hin ta'u isa faayu malee, waan tokko irraa hin fuudhamu isa fokkisu malee». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechaa fi gocha keessatti garaa laafuun, laaffisuun, suuta jechuun, wantootaaf bareedina, guutinaa fi tolina akka dabaluuf

ibsani, akkasumas namni garaa laafu dhimma isaa argachuun akka isaaf malu ibsani.

garaa laafuu dhabuun wantoota balleessa, abbaa isaas dhimma isaa argachuu irraa isa dhoorga, yoo argatellee rakkinaan woliin argata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gara laafummaa haala godhachuutti kakaasuutu keessa jira.
2. gara laafinni ilma namaa ni faaya, inni dhimmoota diinii fi duuniyaa keessatti toltuu hundaaf sababa.

(5796)

(239) – عن أنس بن مالك رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «يَسِّرُوا وَلَا تُعَسِّرُوا، وَبَشِّرُوا وَلَا تُنَفِّرُوا». [صحيح] - [متفق عليه]

(239) – Anas ibnu Maalik irraa odeeffamee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu ni jedhan: «Laaffisaa hin jabeessinaa, gammachiisaa hin baqachiisinaa». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhimmoota diinii fi duuniyaa hunda keessatti namootatti laaffisuu, isaanitti salphisuu fi isaanitti jabeessuu dhabuutti ajajani, sun immoo daangaa waan Rabbiin eeyyamee karaa godhe keessatti.

akkasuma toltuun isaan gammachiisuu fi isa irraa isaan ari'uu dhiisuutti kakaasani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Dirqamni mu'umina irra jiru namoonni Rabbiin akka jaallatan gochuu fi toltuutti isaan kakaasuudha.
2. nama karaa Rabbiitti waamuuf akkaata waamicha Rabbii namootatti ittiin qaqqabsiisu hikmaan ilaaluutu isa irraa barbaachisa.
3. gammachiisuun nama karaa Rabbiitti waamuuf gammachuu fi namoonni isatti deebi'uu isa dhaalchisa akkasuma waan namootatti dhiheessu kana keessattis tasgabbii isaaf fida.
4. jabeessuun baqa, dugda galuu fi haasaa nama karaa Rabbiitti waamuu shakkisiisuutu irraa dhalata.
5. Rahmanni Rabbii gabroota isaatiif bal'aa ta'uu isaa, inni dhugumatti amantaa laafaa fi shari'aa laafaa isaaniif filate.
6. laaffisuun itti ajajame isa shari'aan isaan dhufteedha.

(5866)

(240) – عن ابن عمر رضي الله عنهما أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «إِذَا أَكَلَ أَحَدُكُمْ فَلْيَأْكُلْ بِيَمِينِهِ، وَإِذَا شَرِبَ فَلْيَشْرَبْ بِيَمِينِهِ، فَإِنَّ الشَّيْطَانَ يَأْكُلُ بِشِمَالِهِ، وَيَشْرَبُ بِشِمَالِهِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(240) – Ibnu Umar irraa odeeffamee, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaalatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: “Tokkoon keessan yeroo nyaatu harka mirgaatiin haa nyaatu, yeroo dhugus harka mirgaatiin haa dhugu, Sheyxaanni harka bitaa isaatiin nyaata, harka bitaa isaatiinis dhuga”. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, Muslimni harka mirgaatiin akka nyaatuu fi dhuguuf ajajan, akkasumas harka bitaatiin nyaachuu fi dhuguu irraa dhoorgan, sababni isaas sheyxaanni ittiin nyaatee waan dhuguuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Harka bitaatiin nyaachuu ykn dhuguu irraa dhoorguun sheyxaanatti fakkaachuu irraa dhoorguudha.

(58122)

(241) – عن عُمر بن أبي سلمة رضي الله عنه قال: كُنْتُ غُلَامًا فِي حَجْرِ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، وَكَانَتْ يَدِي تَطِيشُ فِي الصَّحْفَةِ، فَقَالَ لِي رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «يَا غُلَامُ، سَمِّ اللهَ، وَكُلْ بِيَمِينِكَ، وَكُلْ مِمَّا يَلِيكَ» فَمَا زَالَتْ تِلْكَ طِعْمَتِي بَعْدُ. [صحيح] - [متفق عليه]

(241) – Umar bin Abii Salamaa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ani mucaa guddisa Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jala ture, harki koo sahanaa nyaataa irra naanna'aa waan tureef, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas naan jedhan: "Yaa gurbaa maqaa Rabbii waami(Bismillaahi jedhi), harka mirgaatiin nyaadhu, gara keetin nyaadhu" sana booda akkaataa saniin nyaachuu dhiisee hin beeku. [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Umar bin Abii Salaamaa -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaalatu- ilma haadha manaa Rasuulaa -nagaa fi rahmanni irra

haa jiraatu- ummu Salamaa -Rabbiin ishee irraa haa jaalatu- kan ta'e -guddifannaa fi kunuunsa isaanii jala ture- yeroo nyaata nyaatu nyaata fudhachuuf harka isaa meeshaa nyaataa keessa asiif achi sochoosuun nyaataa akka ture hime, san irraa kan ka'een Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- naamusa nyaataa sadii akka isa barsiisan hime:

Tokkoffaan ishee: Yeroo nyaata jalqabuuf jedhu "Bismillaah" jechuudha.

Lammaffaan ishee: Harka mirgaatin nyaachuudha.

Sadaffaan ishee: Nyaata irraa moggaa isatti aanu irraa nyaachuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Naamusa nyaataa fi dhugaatii keessaa tokko, jalqaba irratti maqaa Rabbii dhahuu (Bismillaah) jechuu dha.
2. Naamusa ijoollee barsiisuudha, keessattuu warra itti gaafatamummaa namaa jala jiran.
3. Gara laafina Nabiyyiit -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-, akkasumas obsa isaan ijoollee barsiisuu fi naamusa isaan qabsiisuu irratti qabaniidha.
4. Naamusa nyaataa keessaa tokko moggaa namatti dhihaatu irraa nyaachuudha, yoo nyaanni sun gosa hedduu ta’e malee, haala kana keessatti hiixatee irraa fudhachuu ni danda’a.
5. Sahaabaan adaba Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isaan qabsiisan cichanii kan qabatan ta'uudha, kunis jecha Umar: sana booda akkaataa saniin nyaachuu dhiisee hin beeku kan jedhu irraa fudhatame.

(58120)

(242) – عن أنس بن مالك رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِنَّ اللهَ لَيَرْضَى عَنِ الْعَبْدِ أَنْ يَأْكُلَ الْأَكْلَةَ فَيَحْمَدَهُ عَلَيْهَا، أَوْ يَشْرَبَ الشَّرْبَةَ فَيَحْمَدَهُ عَلَيْهَا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(242) – Anas ibnu Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irra haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin gabricha irraa nyaata nyaatee isa irratti isa galatoomfachuu irraa jaallata, yookaan dhugaatii dhugee isa irratti isa galatoomfachuu». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gabrichi tola isaa fi qananii isaa irratti Rabbiin galateeffachuun wantoota ittiin jaalala Rabbii argatan irraa akka ta'e ibsani; nyaata nyaatee ka'ee, Alhamdulillaah jedha, dhugaatiis dhugee ka'ee, Alhamdulillaah jedha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Arjummaa Rabbiin qabuudha, ofii isaatii rizqii kennee kenna isaa irratti immoo galatoomfachuu jaallata.
2. Jaalalli Rabbii wantoota haalaan laafoo ta'aniin argama, booda nyaataa fi dhugaatiitii akka isa galateeffachuu faa.
3. namuusa nyaataa fi dhugaatii irraa: booda nyaataa fi dhugaatiitii Rabbiin galateeffachuudha.

(5798)

(243) – عَنْ سَلَمَةَ بْنِ الْأَكْوَعِ رضي الله عنه: أَنَّ رَجُلًا أَكَلَ عِنْدَ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ بِشِمَالِهِ، فَقَالَ: «كُلْ بِيَمِينِكَ»، قَالَ: لَا أَسْتَطِيعُ، قَالَ: «لَا اسْتَطَعْتَ»، مَا

مَنَعَهُ إِلَّا الْكِبْرُ، قَالَ: فَمَا رَفَعَهَا إِلَى فِيهِ. [صحيح] - [رواه مسلم]

(243) – Salamaa bin Al-Akwa'i irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu-: Namichi tokko eddoo Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jiranitti bitaa isaatiin nyaatee jennaan isaan akkana jedhaniin: "Harka Mirgaa keetin nyaadhu", innis akkana jedhe: hin danda'u, isaanis ni jedhan: "hin danda'in", Nama kana boona malee wanti biraa isa hin dhoorgine, ni jedhe: sana booda harka isaa sana gara afaan isatti ol hin fuune. [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namicha tokko kan harka isaa kan bitaatiin nyaatu arganii, harka isaa kan mirgaatiin akka nyaatu ajajan, Namichis of tuulummaa fi sobaaf jecha hin danda'u jedhee isaanif deebii kenne! Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- harka mirgaatiin nyaachuu irraa akka hoongeffamu isa irratti du'aa'ii godhan. Rabbiin kadhaa Nabiyyii Isaa kan akka harki isaa kan mirgaa laamshoftu kadhatan isaanif qeebalee, namichi sun sana booda nyaataan yookaan dhugaatiin harka isaa sana gara afaan isatti ol hin fuune.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Harka mirgaatiin nyaachuun dirqama ta'uu fi harka bitaatiin nyaachuun dhoorgaa ta'uudha.
2. Murtii Shari'aa boonaf jecha hojii irra oolchuu dhabuun abbaa gocha sanaa adabbiif saaxila.
3. Rabbiin Nabiyyii Isaa Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kadhaa isaanii isaanif

qeebaluun hangam akka isaan kabaje nama agarsiisa.

4. Hanga yeroo nyaataa gayutti haala hunda keessatti waan gaariitti ajajuu fi waan hamaa irraa dhoorguun karaa ta'uudha.

(3372)

(244) – عَنْ جَابِرِ بْنِ عَبْدِ اللَّهِ رضي الله عنهما أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «مَنْ أَكَلَ ثُومًا أَوْ بَصَلًا، فَلْيَعْتَزِلْنَا -أَوْ قَالَ: فَلْيَعْتَزِلْ- مَسْجِدَنَا، وَلْيَقْعُدْ فِي بَيْتِهِ»، وَأَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ أُتِيَ بِقِدْرٍ فِيهِ خَضِرَاتٌ مِنْ بُقُولٍ، فَوَجَدَ لَهَا رِيحًا، فَسَأَلَ فَأُخْبِرَ بِمَا فِيهَا مِنَ البُقُولِ، فَقَالَ قَرِّبُوهَا إِلَى بَعْضِ أَصْحَابِهِ كَانَ مَعَهُ، فَلَمَّا رَآهُ كَرِهَ أَكْلَهَا، قَالَ: «كُلْ فَإِنِّي أُنَاجِي مَنْ لاَ تُنَاجِي».

ولِمُسْلِمٍ عَنْ جَابِرِ بْنِ عَبْدِ اللهِ، عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «مَنْ أَكَلَ مِنْ هَذِهِ الْبَقْلَةِ، الثُّومِ - وقَالَ مَرَّةً: مَنْ أَكَلَ الْبَصَلَ وَالثُّومَ وَالْكُرَّاثَ فَلَا يَقْرَبَنَّ مَسْجِدَنَا، فَإِنَّ الْمَلَائِكَةَ تَتَأَذَّى مِمَّا يَتَأَذَّى مِنْهُ بَنُو آدَمَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(244) – Jaabir bin Abdullaah irraa odeeffamee -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni qullubbii ykn shunkurtii nyaate, nurraa haa fagaatu, masjiida keenya irraayis haa fagaatu, mana isaa keessatti haa hafu», Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- meeshaa kuduraalee foosooliyaa of keessaa qabuun dhufamee, hafuurri itti dhahee, gaafatanii foosooliyaan akka isa keessa jiru itti himame, Sahaabota isaanii keessaa nama wahii kan isaanin waliin ture itti ishee dhiheessaa jedhan, inni yeroma ishee arge ishee nyaachuu jibbe, ni jedhaniin: «Nyaadhu, ani nama ati wajjiin maqoo hin qabneen wajjiinin maqoo qabaa».

Gabaasa Muslim tokko keessatti, Jaabir bin Abdallaa akka odeeffametti, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: «Namni qullubbii kana nyaate -yeroo tokko akkana jedhan: Namni shunkurtii, qullubbii fi alaangallee nyaate masijiida keenyatti hin dhihaatin, Sababni isaas malaa'ikaan wantoota ilmaan Aadan irraa azaa ta'an irraa azaa ta'u waan ta'eef jecha». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- obboleeyyan isaa salaata jamaa'aa irratti hirmaatan hafuura isaaniitiin akka azaa hin goonef jecha, nama qullubbii ykn shunkurtii nyaate gara masjiidaa akka hin dhufne dhorgan. Kunis isaan nyaachuu irraa osoo hin taane nyaatanii gara masjiidaa dhufuu dhoorgani; sababni isaas isaan lamaan nyaatolee eeyyamamoo ta'an irraa waan ta'aniif jecha, Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhugumatti meeshaan kuduraalee of keessaa qabu, itti fidamee, yeroo hafuura wahii isa keessatti arganii, wanni isa keessa jiru itti himame nyaachuu irraa didanii, akka irraa nyaatuf gara tokkoo sahaabota isaanii ishee dhiheessinaan, innis isaanitti hidhachuuf nyaachuu dide, isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo isa argan akkana jedhaniin: nyaadhu, ani wahyiinin malaa'ikoota waliin maqoo qabaa.

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkuma namoonni waan hafuura badaa irraa azaa ta'an, malaa'ikonnis akka azaa ta'an himan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni qullubbii ykn shunkurtii ykn alaangallee nyaate

kamuu masjiida dhufuu irraa akka dhoorgamaa ta'eedha.

2. Wanni hafuura badaa qabu kan namoonni salaatan irraa azaa ta'an kan akka sijaaraa, tamboo fi kan sana faakkaatan hundi akkuma wantoota kanneenitti akka ilaalamaniidha.
3. Sababni dhoorgaa kanaa hafuura badaa waan ta'eef, garmalee bilcheessuun ykn karaa biraatiin yoo bade; dhoorgiin sun ni ka'a.
4. Nama masjiida dhufanii salaatuun dirqama irratti ta'uuf wantoota kanneen nyaachuun jibbamaa ta'uudha; akka salaanni jamaa'aa masjiida keessatti isa hin dabarreef jecha, mala godhee akka masjiida hin dhufneef nyaachuun immoo haraama ta'a.
5. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- shunkurtii fi kan kana fakkaatan nyaachuu irraa diduun, waan inni haraama ta’eef osoo hin taane, sababni isaas Jibriil -nagaan irra haa jiraatu- waliin waan maqoo qabaniif jecha.
6. Akkaataan barsiisa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- bareedaa ta'uudha, sunis murtii waan tokkoo sababa isa ibsu wajjiin wal qabsiisanii dhiheessuuni; sababni isaas namni itti haasaa jiran sababaa beekuun akka tasgabbaa'uf jecha.
7. Qaadiin akkana jedhe: Ulamaa’onni dhimma kana masjiida malee walga’ii salaataa kan akka eddoo salaata iidaa, salaata janaazaa fi gosoota walga’ii ibaadaa biroo wajjiin wal bira qabanii ilaalaniiru, akkasuma iddooleen ilmii, zikrii, waliimaa adda addaati fi kan kana fakkaatan, gabaa fi kan kana fakkaatan immoo kanneenitti hin dhaqqabsiifaman.

8. Ulamaa'onni akkana jedhan: Hadiisni kun nama qullubbii fi waan isa fakkaatu nyaate masjiida seenuu irraa dhoorguu irratti ragaadha - osoo masjidni duwwaa ta'ellee- inni bakka malaa'ikootaa waan ta'eef jecha, akkasumas Hadiisota biraatif jecha.

(4850)

(245) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: كان رسولُ الله صلى الله عليه وسلم إذا عَطَسَ وَضَعَ يَدَه -أَوْ ثَوْبَهُ- عَلَى فِيهِ، وَخَفَضَ -أَوْ غَضَّ- بِهَا صَوْتَهُ. [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وأحمد]

(245) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo haxxifatan harka isaanii -ykn uffata isaanii- afaan isaanii irra kaa'anii, isaan sagalee isaanii kan gadi qaban ta'an. [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo haxxifatan:

Tokkoffaa: Harka isaanii ykn uffata isaanii afaan isaanii irra kan kaa'an ta'an; sababni isaas wanni nama isaan bira taa'u azaa godhu afaan ykn funyaan isaanii irraa akka hin baanef jecha.

Lammaffaa: Sagalee isaanii gadi qaban malee ol hin kaasan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Haxxifachuu keessatti karaa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ibsuu fi sanaan keessatti isaan

hordofuudha.

2. Uffata ykn sooftii fi waan biroo yeroo haxxifatan afaan ykn funyaan irra kaayuun jaalatamaa ta'uudha; sababni isaas wanni nama isa bira taa'u azaa godhu akka irraa hin baanef jecha.
3. Yeroo haxxiffatan sagalee ofii gadi qabachuun barbaachisaa yoo ta’u, innis mallattoo naamusa gaarii qabaachuu irraayi.

(3317)

(246) – عَنِ ابْنِ عَبَّاسٍ رضي الله عنهما قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ أَنْ تُؤْتَى رُخَصُهُ، كَمَا يُحِبُّ أَنْ تُؤْتَى عَزَائِمُهُ». [صحيح] - [رواه ابن حبان]

(246) – Abdullaah ilma Abbaas irraa akka odeeffametti, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Rabbiin akkuma dirqamni isaa hojjatamuu jaallatutti wanti inni laaffisees hojjatamuu jaallata". [sirrii] - [Ibnu Hibbaantu odeesse]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin salphifamuu murtoowwanii fi ibaadowwan keessa jiru irraa laafinsi isiin Inni karaa godhe hojjatamuu akka jaallatu himani, nama dirqamni isa irra kaa'ame irratti isii keessatti sababaadhaan laaffisuu -akka imala irratti salaata gabaabsuu fi wolitti qabuufaa-, Akkuma wantoota dirqama ta'an irraa dirqamni Isaa hojjatamuu jaallatutti; waan ajajni Rabbii dirqamaa fi laafiinsa keessattis tokko ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rahmata Rabbiin ol ta'e gabroottan isaatiif oolee fi Inni dhugumatti laafinsa irraa waan karaa godhe hojjachuu akka jaallatuudha.
2. Guutummaa shari'aa kanaa fi muslima irraa rakkina kaasuudha.

(65017)

(247) – عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «مَنْ يُرِدِ اللهُ بِهِ خَيْرًا يُصِبْ مِنْهُ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(247) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Rabbiin nama toltuu isaaf fedhe, rakkoon isa tuqa". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- dhugumatti Rabbiin gabroota isaaa mu'umintoota keessaa nama tokkoof toltuu yoo fedhe lubbuu isanii, qabeenya isaaniitii fi maatii isaaniitii keessatti hamtuun isaan tuqee isaan mokkora, gama Rabbii deebi'uun, isa kadhachuun, badiiwwan isaaf haqamuu fi sadarkaan ol fuudhamuun sababaa sanaatiin mu'minaaf waan argamuuf jdcha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Mu'uminni gosoowwaan balaa addaa addaatiif saaxilamaadha.
2. Mokkoramuun Rabbiin gabricha isaa jaallachuuf

mallattoo ta'uutu mala, sadarkaa isaa akka ol fuudhuuf, teessuma isaa akka guddisuu fi badiiwwan isaa akka haquuf jecha.

3. Yeroo balaan nama mudatutti obsuu fi dallanuu dhabuutti kakaasuudha.

(4204)

(248) – عَنْ أَبِي سَعِيدٍ الْخُدْرِيِّ وَعَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنهما عَنِ النَّبِيِّ صلى الله عليه وسلم قَالَ: «مَا يُصِيبُ الْمُسْلِمَ مِنْ نَصَبٍ وَلَا وَصَبٍ وَلَا هَمٍّ وَلَا حُزْنٍ وَلَا أَذًى وَلَا غَمٍّ حَتَّى الشَّوْكَةِ يُشَاكُهَا إِلَّا كَفَّرَ اللهُ بِهَا مِنْ خَطَايَاهُ». [صحيح] - [متفق عليه]

(248) – Abuu Sa`iid al-Khudrii fi Abu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: «Dadhabbiin, dhukkubni, yaaddoon, gaddii fi miidhaan kamiyyuu muslima tokko hin mudatu, hanga qoree isa waraanu gayuutti Rabbiin sababaa sanaatiin dilii isaa irraa buusu malee». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhukkuba, yaaddoo, gadda, rakkina, balaa, sodaa fi beela irraa wanni muslima mudatu -hanga qoree isa waraantee isa laalessitu gayuutti- sun dilii isaatiif kaffaaraa isaaf ta'ee badii isaa akka isa irraa buusu ibsan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Tola Rabbiin gabroota Isaa mu'umintoota irratti oolee fi irra xiqqaa rakkina isaan mudatuun badii isaanii isaanif dhiisuudhaan rahmata Inni isaanif godhe ibsuudha.

2. Muslimni wanta isa mudateef mindaa Rabbiin irratti herregachaa, akka sadarkaan isaa ol fuudhamee badiin isaa isa irraa haqamuuf jecha waan xiqqoo guddoo isa mudatu irratti obsuudha qaba.

(3701)

(249) – عَنْ صُهَيْبٍ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «عَجَبًا لِأَمْرِ الْمُؤْمِنِ، إِنَّ أَمْرَهُ كُلَّهُ خَيْرٌ، وَلَيْسَ ذَاكَ لِأَحَدٍ إِلَّا لِلْمُؤْمِنِ، إِنْ أَصَابَتْهُ سَرَّاءُ شَكَرَ، فَكَانَ خَيْرًا لَهُ، وَإِنْ أَصَابَتْهُ ضَرَّاءُ صَبَرَ، فَكَانَ خَيْرًا لَهُ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(249) – Suheyibi irraa odeeffame Rabbiin irraa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Dhimmi mu'uminaa akkam nama ajaa'iba, dhimmi isaa hundi gaarii dha. Sunis nama Mu'uminaa qofaaf malee nama kamiifuu miti, Wanti gaariin yoo isa mudate ni galateeffata, sun immoo isaaf gaarii ta'a, wanti hamaan yoo isa mudate immoo ni obsa, sun immoo isaaf gaarii ta'a». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Rasuulli -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhimma Mu'uminaa fi haala isaa karaa tolina ibsuun ajaa'ibsiifatan; Kunis haalli isaa hundi gaarii waan ta'eef jecha, sun mu'umina malee nama kamiifuu akka hin taane dubbatan. Wanti gaariin yoo isa mudate Rabbiin galateeffata; galateeffachuu sanaan mindaa argata. Balaan yoo isa mudate obsee Rabbiin biratti mindaa herregata, sababaa obsaatin mindaan isaaf argama, kanaaf inni haaluma hunda keessatti mindeeffamaadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa yeroo gaarii galateeffatanii yeroo hamaa ammoo obsuun qabuudha. Namni akkas godhe duuniyaa fi aakhiraatti waan gaarii argata. Namni qananii argatee hin galateeffannee fi balaa irratti hin obsine mindaa dhabee, dilii argata.
2. Sadarkaa Iimaanni qabuu fi mindaan haala hunda keessatti namoota amantii qabaniif malee namoota biraatif akka hin taaneedha.
3. Yeroo gammachuu galateeffatanii yeroo rakkinaa obsuun amaloota mu'umintoota keessaa isa tokkoodha.
4. Qadaa fi qadara Rabbitti amanuun mu'umina haala isaa hunda keessatti jaalala guutuun akka jiraatu taasisa, kun faallaa nama mu'umina hin tahin kan yeroo rakkinni isa irratti argame dallansuu walitti dhaabbataa ta'e keessa jiraatuti, Rabbii guddaa irraa yeroo qananii tokko argate ma'asiyaa keessatti ishee kennuu bira dabree ibaadaa Rabbii irraa isheetti shaagala.

(3298)

(250) – عن أبي موسى الأشعري رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «إِذَا مَرِضَ الْعَبْدُ أَوْ سَافَرَ كُتِبَ لَهُ مِثْلُ مَا كَانَ يَعْمَلُ مُقِيمًا صَحِيحًا». [صحيح] - [رواه البخاري]

(250) – Abuu Muusaa al-ash'arii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Garbichi yeroo dhukkubsatetti yookaan yeroo imala ba'etti

akkuma yeroo biyya isaa jiraataa fi fayyaa ta'ee hojjatutti isaaf barreeffama". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- tola Rabbiitii fi rahamata Isaa irraa himan, dhugumatti muslimni yeroo fayyaa qabuu fi biyya isaa jiraatutti aadaa isaa irraa hojii gaarii kan hojjatu ta'ee eegasii sababaan yoo isatti argamee dhukkubsatee isa hojjachuu dadhabe yookaan isa irra imala ba'uun yoo qabame, yookaan sababa kamiinuu ta'u; dhugumatti mindaa guutuutu isaaf barreeffama, akkuma waan yoo haala fayyaa qabuu fi biyya isaa jiru hojjatetti.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Bal'ina tola Rabbii garboottan Isaa irratti.
2. Rabbiif kheyrii hojjachuu keessatti tattaaffii gochuu fi yeroo fayyaa qabanuu fi duwwaa ta'anitti yerootti fayyadamuutti kakaasuu.

(3553)

(251) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «بَادِرُوا بِالْأَعْمَالِ فِتَنًا كَقِطَعِ اللَّيْلِ الْمُظْلِمِ، يُصْبِحُ الرَّجُلُ مُؤْمِنًا وَيُمْسِي كَافِرًا، أَوْ يُمْسِي مُؤْمِنًا وَيُصْبِحُ كَافِرًا، يَبِيعُ دِينَهُ بِعَرَضٍ مِنَ الدُّنْيَا». [صحيح] - [رواه مسلم]

(251) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee, Rabbiin isa irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Qormaata akka ciccitaa halkan dukkanaa'aa jalaa hojii gaarii hojjechuun ariifadhaa, Namichi ganama mu'umina ta'ee galgala kaafira ta'a, ykn galgala mu'umina ta'ee bulee ganama kaafira ta'a, amantii isaa waan xiqqaa duuniyaa

irraa ta'e wahitti gurgura». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hojii gaarii hojjechuun jabaachuu fi qormaanni adda addaa kan hojii gaarii hojjechuu irraa nama dhoorgan dhufuun duratti hojii gaggaarii hojjechuu fi baay'isuu irratti mu'umina kakaasan. Inni Akka halkan dukkanaati, isa keessatti dhugaan sobatti makama, kanaaf dhugaa fi cubbuu gagar baasuun namootatti jabaata, cimina isaa irraa kan ka'een ilmi namaa burjaaja'a, hanga inni mu'umina ta'ee bulee galagala immoo kaafira ta'utti, akkasumas hanga inni mu'umina ta'ee galgaleeffatee kaafira ta'ee bariisafatutti, Gammachuu biyya adunyaa kan yeroo muraasaaf darbutti amantii isaa gurgurata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gufuuleen adda addaa tan hojii gaarii hojjechuu irraa nama dhoorgan dhufuun duratti amantii cichanii qabatanii hojii gaarii hojjechutti ariifatuun dirqama ta'uudha.
2. Dhuma addunyaa irratti qormaanni nama jallisu walduraa duubaan akka dhufanii fi yeroo qormaanni tokko dabre kan biraa isa irraa akka bakka bu'uudha.
3. Amantiin nama tokkoo yeroo laafee dhimma addunyaa kan akka qarshii ykn waan biraatiif jecha isa laaffise, sun ammoo amantii irraa maquu, amantii dhiisuu fi qorumsa keessa seenuuf sababa ta'a.
4. Hadiisicha keessa hojiin gaariin qorumsa adda addaa jalaa bahuuf sababa akka tahu ragaatu jira.
5. Qorumsi gosa lama qaba: qorumsa shakkiiti, wal'aansi isaa ammoo beekumsa, inni kuun qorumsa fedhiiti,

wal'aansi isaa immoo Iimaana fi obsaan ta'a.

6. Nama xiqqoo hojjate qorumsi akka itti ariifatu, namni baay'ee hojjete ammoo waan qabuun akka hin gowwoomfamne, baay'isuu akka qabu Hadiisni kun ni ibsa.

(3138)

(252) – عن معاوية رضي الله عنه قال: سمعتُ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «مَنْ يُرِدِ اللهُ بِهِ خَيْرًا يُفَقِّهْهُ فِي الدِّينِ، وَإِنَّمَا أَنَا قَاسِمٌ، وَاللهُ يُعْطِي، وَلَنْ تَزَالَ هَذِهِ الْأُمَّةُ قَائِمَةً عَلَى أَمْرِ اللهِ، لَا يَضُرُّهُمْ مَنْ خَالَفَهُمْ، حَتَّى يَأْتِيَ أَمْرُ اللهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(252) – Mu'aawiyaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiidhaa -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Namnn Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii isa hubachiisa, ani qoodaadha, Rabbi ni kenna, ummanni kun ajaja Rabbii irratti gadi dhaabbachuu irraa hin deeman, namni isaan faallesse isaan hin miidhu, hanga ajajni Rabbii dhufutti». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii Rabbii hubachuu isaaf akka kennu himani, nabiyyiin immoo -nagaa fi rahmanni irrs haa jiraatu- rizqii, ilmii fi kan biroo waan Rabbiin isaanitti kenne irratti qoodaadha, dhugaatti kan kennu Rabbuma qofa, kan isa malee jiranu isaan sababaa hayyama Rabbiitiin malee fayyaduu hin danda'an, akkasumas uummatni kun haqa Rabbii irratti gadi dhaabbachuu irraa akka hin deemnee fi namni isaan faallesse hanga qiyaamaan dhaabbatutti akka isaan hin miine himaniiru.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. sadarkaa fi guddina beekumsi shari'aa qabuudha, akkasumas sadarkaa isa barachuu fi isatti kakaasuun qabuudha.
2. Ummata kana keessatti haqaan dhaabbachuun jiraachuun waan hafiinsa hin qabne akka ta'eedha, gareen tokko yoo isa dhiifte kan biraatu isaan dhaabbata.
3. Diinii hubachuun Rabbiin garbicha isaatiif toltuu isaaf fedhuu irraati.
4. Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ajaja Rabbiitii fi fedhii isaatiin kennu, ofii isaaniitiif homaa hin qabanu.

(5518)

(253) – عَنْ جَابِرِ بْنِ عَبْدِ اللَّهِ رضي الله عنهما أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «لَا تَعَلَّمُوا الْعِلْمَ لِتُبَاهُوا بِهِ الْعُلَمَاءَ، وَلَا لِتُمَارُوا بِهِ السُّفَهَاءَ، وَلَا تَخَيَّرُوا بِهِ الْمَجَالِسَ، فَمَنْ فَعَلَ ذَلِكَ، فَالنَّارُ النَّارُ». [صحيح] - [رواه ابن ماجه]

(253) – Jaabir bin Abdullaah irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu, nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan: «Beekaatti ittiin dhaaddachuuf jecha beekumsa hin baratinaa, gowwootas ittiin falmuuf jechas hin baratinaa, akkasumas waltajjiitti ittiin filatamuuf jechas hin baratinaa, namni sana hojjate ibiddatu isaaf jira, ammas ibiddatu isaaf jira». [sirrii] - [Ibnu Maajaatu odeesse]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- beekaatti ittiin dhaaddachuu, isaaniin dorgomuu fi anis beekaa akka keessaniiti jedhee of mul'isuuf jecha beekumsa, barbaaduu irraa sodaachisani, akkasuma gowwootaa fi wallaaltota ittiin falmuuf jecha yookaan immoo woltajjii irratti duree ta'ee namoota dursee dursi akka isaaf kennamuuf jecha barachuu irraa sodaachisani. namni waan sana hojjate; agarsiifannaa isaatii fi beekumsa Rabbiif barbaadamu keessatti ikhlaasa dhabuu isaatiin dhugumatti inni ibidda haqa godhataadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ittiin dhaaddachuuf jecha yookaan ittiin falmuuf jecha yookaan waltajjii irratti duree ta'uuf jecha nama beekumsa barate ibiddaan dinniinuudha.
2. nama beekumsa baratee barsiisuuf barbaachisummaa ikhlaasaati.
3. niyyaan bu'uura hojiiti, mindaanis isii irratti hundaa'ee ta'aadha.

(65047)

(254) – عن عثمان رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «خَيْرُكُمْ مَنْ تَعَلَّمَ الْقُرْآنَ وَعَلَّمَهُ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(254) – Usmaan irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti ha a buusu- ni jedhani: «Irra caalaan keessan nama Qur'aana baratee barsiise». [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irra caalaan muslimootaa fi Rabbiin biratti sadarkaan isaa olaanaan: qaraatiin, hifziin, tajwiidaan qara'uun, isa hubachuu fi hiika isaa woliin nama Qur'aana baratee waan ofii barate immoo kan nama biraa barsiise akka ta'e himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa Qur'aanaa ibsuutu keessa jira, inni irra caalaa haasawaati; haasawa Rabbii waan ta'eef jecha.
2. irra caalaan nama baratee, nama biraa barsiisu malee nama lubbuu ofii irratti gabaabbatuu miti.
3. Qur'aana baratanii barsiisuun qiraatii, hiika fi murtoo isaa wolitti qabata.

(5913)

(255) – عَنْ أَبِي عَبْدِ الرَّحْمَنِ السُّلَمِي رحمه الله قَالَ: حَدَّثَنَا مَنْ كَانَ يُقْرِئُنَا مِنْ أَصْحَابِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ أَنَّهُمْ كَانُوا يَقْتَرِئُونَ مِنْ رَسُولِ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ عَشْرَ آيَاتٍ، فَلَا يَأْخُذُونَ فِي الْعَشْرِ الْأُخْرَى حَتَّى يَعْلَمُوا مَا فِي هَذِهِ مِنَ الْعِلْمِ وَالْعَمَلِ، قَالُوا: فَعَلِمْنَا الْعِلْمَ وَالْعَمَلَ. [حسن] - [رواه أحمد]

(255) – Abuu Abdurrahmaan Assulamii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa haa mararfatu- ni jedhe: Worroonni Qur'aana nu qaraasisaa turan waan sahaabota Nabiyyii irraa nutti himani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatoota kudhan kan qara'an turani, hanga beekumsaa fi hojii waan isii keessa jiru baranutti

barumsa kurnan biroo hin fudhatanu ture, akkasitti beekumsaa fi hojiis waliin baranne jedhani. [hasani] - [Ahmadtu odeesse]

Ibsaa:

Sahaabonni -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Qur'aana irraa aayatoota kudhan Nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qara'u turani, hanga beekumsa waan aayatootaa kurnan kana keessa jiru baratanii itti hojjatanitti kan birootti hin darbanu ture, akkasitti beekumsaa fi hojiis waliin baratan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. sadarkaa sahaabonni qabanuu fi bolola isaan qur'aana barachuuf qabaniidha, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu.
2. qur'aana barachuun isa qara'uu fi qomatti isa qabachuu qofaan osoo hin taane isa baruu fi waan isa keessa jirutti hojjachuun ta'aadha.
3. beekumsi jechaa fi gocha dursa.

(65058)

(256) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرٍو رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «يُقَالُ لِصَاحِبِ الْقُرْآنِ: اقْرَأْ وَارْتَقِ، وَرَتِّلْ كَمَا كُنْتَ تُرَتِّلُ فِي الدُّنْيَا، فَإِنَّ مَنْزِلَكَ عِنْدَ آخِرِ آيَةٍ تَقْرَؤُهَا». [حسن] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي في الكبرى وأحمد]

(256) – Abdullaah bin Amrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Abbaa Qur'aanaatiin ni jedhama: qara'i, ol ba'i, akka duuniyaa irratti qara'aa turte sanatti qara'i, qubsumni kee bakka aayaa dhuma irratti isii qaraatuutti ta'a». [hasani] - [Abuu Daawuud, Tirmizii,

Nasaa'iin kubraa keessattii fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama qur'aana qara'u, kan waan isa keessa jirutti hojjatu, kan isa qara'uu fi qomatti isa haffazuun yeroo mara isaan woliin jiraatuuun yeroo jannata seenetti akkas akka isaan jedhamu himani: qur'aana qara'i, isaan darajaa jannataa keessa ol ba'i, akkasuma akkuma duuniyaa keessatti isa qara'aa turtetti suutaa fi tasgabbiin isa qara'i, qubsumni kee bakka aayaa dhuma irratti isii qaraatuutti ta'a.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. mindaan kan ta'u hangaa fi akkaataa hojiitiini.
2. qur'aana qara'uu, isa tolchuu, qomatti isa qabachuu, isa xiinxaluu fi isatti hojjachuutti kakaasuutu keessa jira.
3. jannanni qubsumaa fi sadarkaawwan hedduu qabdi, worri qur'aanaa isii keessaa irra olaantuu sadarkaa argatani.

(65054)

(257) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أَيُحِبُّ أَحَدُكُمْ إِذَا رَجَعَ إِلَى أَهْلِهِ أَنْ يَجِدَ فِيهِ ثَلَاثَ خَلِفَاتٍ عِظَامٍ سِمَانٍ؟» قُلْنَا: نَعَمْ. قَالَ: «فَثَلَاثُ آيَاتٍ يَقْرَأُ بِهِنَّ أَحَدُكُمْ فِي صَلَاتِهِ خَيْرٌ لَهُ مِنْ ثَلَاثِ خَلِفَاتٍ عِظَامٍ سِمَانٍ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(257) – Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Tokkoon keessan yeroo gara maatii isaatti deebi'etti gaala rimaa qabdu

gurguddoo gagabbattuu sadi isaan biratti argachuu ni jaallataa?» nutis ni jenne: eeyyeen ni jaallata. Isaanis ni jedhan: «Aayaa sadi kan tokkoon keessan salaata isaa keessatti qara'utu, gaala rimaa qabdu gurguddoo gagabbattuu sadi irra isaaf caala». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mindaan Aayaa sadi salaata keessatti qara'uu; ilmi namaa mana isaa keessatti gaala rimaa gurguddoo gagabbattuu sadi argachuu irra isaaf akka caalu ibsani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Salaata keessatti Qur'aana qara'uun sadarkaa inni qabu ibsuutu keessa jira.
2. hojiiwwan gaggaariin meeshaalee jireenya adduuniyaa irra kan caaltuu fi haftuuu akka taatedha.
3. sadarkaan kun aayaa sadi qofa qara'uu irratti kan daangeffamuu miti; hanguma namni salaatu salaata isaa keessatti aayaatowwan qara'uu dabaluun mindaan isiis gaalowwan rimaa qaban lakkoofsa isii irra isaaf caala.

(65053)

(258) – عن أبي موسى الأشعري رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «تَعَاهَدُوا هَذَا الْقُرْآنَ، فَوَالَّذِي نَفْسُ مُحَمَّدٍ بِيَدِهِ لَهُوَ أَشَدُّ تَفَلُّتًا مِنَ الْإِبِلِ فِي عُقُلِهَا».

[صحيح] - [متفق عليه]

(258) – Abuu Muusaa Al-Ash’arii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin nagaa fi rahmata isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: «Qur'aana kana

eeggadhaa, isa lubbuun Muhammad harka isaa jirtuunan kakadha, inni gaalli hidhaa isii keessaa miliquu caalaatti nama harkaa miliqa». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Qur'aana eeggachuu fi booda qoma isaa keessatti haffazee akka isa hin daganneef yeroo hunda isa qara'uutti ajajani, sana immoo kakaa isaaniitiin gadi jabeessani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Qur'aanni nama harkaa ba'uu fi qoma keessaa deemuu keessatti gaala haadaan walakkaa hirree isiitti hidhamte caala, ilmi namaa yoo kan isii eeggatu ta'e isii qabata yoo kan gadhiisu ta'e immoo ni deemti ni baddi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namni Qur'aana haffaze yeroodhaa yerootti isa qara'uu irratti yeroo hunda yoo jiraate qoma isa keessatti tikfamaa ta'ee hafa.
2. Bua'aalee Qur'aana eeggachuu keessaa: mindaa fi guyyaa qiyaamaatti sadarkaan ol fuudhamuudha.

(5907)

(259) – عن أبي هريرة رضي الله عنه: أَنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «لَا تَجْعَلُوا بُيُوتَكُمْ مَقَابِرَ، إِنَّ الشَّيْطَانَ يَنْفِرُ مِنَ الْبَيْتِ الَّذِي تُقْرَأُ فِيهِ سُورَةُ الْبَقَرَةِ».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(259) – Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Manneen keessan qabrii hin

taasisinaa. Mana suuraan baqaraa keessatti qara'amu sheyxaanni irraa dheessa». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mana ofii akka qabrii keessattii hin salaatamneetti salaata irraa ona taasisuu irraa dhoorgani.

eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sheexaanni mana suuraan baqaraa keessatti qara'amu irraa akka dheessuu himani.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ibaadaadhaa fi salaata sunnaa manatti heddummeessuun jaallatamaa ta'uu isaa.
2. Salaanni bakka qabrii keessatti hin eeyyamamu; karaa shirkiitti qaqqabsiisuu fi worra qabriitti daangaa darbuutti geessa waan ta'eef hin eeyyamamu, salaata janaazaa irratti salaatamu yoo ta'e malee.
3. Bakka qabrii keessatti salaata dhoorguun sahaabota biratti dhugaatti murtaa'aa beekamaa ture, kanaaf nabiyyiin -Rbbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- manni akka qabrii keessatti hin salaatamnee akka hin taasifamne dhoorgani.

(6208)

(260) – عَنْ أُبَيِّ بْنِ كَعْبٍ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «يَا أَبَا الْمُنْذِرِ، أَتَدْرِي أَيُّ آيَةٍ مِنْ كِتَابِ اللهِ مَعَكَ أَعْظَمُ؟» قَالَ: قُلْتُ: اللهُ وَرَسُولُهُ أَعْلَمُ. قَالَ: «يَا أَبَا الْمُنْذِرِ، أَتَدْرِي أَيُّ آيَةٍ مِنْ كِتَابِ اللهِ مَعَكَ أَعْظَمُ؟» قَالَ: قُلْتُ: {اللهُ لَا إِلَهَ

إِلَّا هُوَ الْحَيُّ الْقَيُّومُ} [البقرة: 255]. قَالَ: فَضَرَبَ فِي صَدْرِي، وَقَالَ: «وَاللهِ لِيَهْنِكَ الْعِلْمُ، أَبَا الْمُنْذِرِ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(260) – Ubayyi bin ka'ab irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Yaa abal munzir, kitaaba Rabbii keessaa aayaa si bira jirtu kamtu irra guddoo akka taate beektaa? Rabbumaa fi ergamaa isaatu beekan jedhe. Isaanis ni jedhani: «yaa abal munzir, kitaaba Rabbii keessaa aayaa si bira jirtu kamtu irra guddoo akka taate beektaa?» ni jedhe: akkanan jedhe: {ALLAAHU LAA ILAAHA ILLAA HUWA AL-HAYYU AL-QAYYUUM} [Al-baqaraa: 255], ni jedhe: ergamaanis qoma koo keessa rukutuun akkas jedhani: «Rabbiinan kakadha beekumsi si haa gammachiisu yaa abal munzir». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kitaaba Rabbii keessaa aayaa irra guddoo taate irraa ubayyi bin ka'abiin gaafatanii jennaan, deebii keessa qaqqabate, eegasii isiin aayat al-kursiyyiidha: {ALLAAHU LAA ILAAHA ILLAA HUWA AL-HAYYU AL-QAYYUUM} jedhe, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isa deeggaranii, beekumsaa fi hayyummaan guutamuu isaatti akeekuuf jecha qoma isaa keessa rukutani, beekumsa kanaan akka gammaduu fi akka isaaf laaffifamutti du'aa'iis godhaniif.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa guddoo Ubayyi bin ka'ab qabuudha, Rabbiin isa

irraa haa jaallatu.

2. Aayatul kursiyyiin kitaaba Rabbii keessatti irra guddoo aayataati, qomatti isii qabachuu, hiika isii xiinxaluu fi isiitti hojjachuutu barbaachisa.

(65059)

(261) – عن النعمان بن بَشِير رضي الله عنه قال: سمعتُ النَّبيَّ صلى الله عليه وسلم يقول: «الدُّعَاءُ هُوَ الْعِبَادَةُ»، ثُمَّ قَرَأَ: «{وَقَالَ رَبُّكُمُ ادْعُونِي أَسْتَجِبْ لَكُمْ إِنَّ الَّذِينَ يَسْتَكْبِرُونَ عَنْ عِبَادَتِي سَيَدْخُلُونَ جَهَنَّمَ دَاخِرِينَ} [غافر: 60]». [صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وابن ماجه وأحمد]

(261) – Nu'umaan ilma Bashiir irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Du'aa'iin (kadhaan) inni ibaadaadha", eegasii Aayaa Qur'aanaa tan hiikni isii akkas jedhu qara'ani: "Rabbiin keessan ni jedhe: na kadhaa isiniifan owwaadhaa, dhugumatti isaan ana gabbaruu irraa boonan, salphattoota ta'anii, jahannam seenuuf jiru".[Ghaafir: 60] [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- du'aa'iin ibaadaa akka ta'e himani, du'aa'ii gaafannaa fi barbaachaas ta'ee, waan isa fayyaduu fi waan duuniyaa fi aakhiraatti isa miidhu isa irraa deebisuu Rabbiin gaafachuufaa yookaan du'aa'ii ibaadaas ta'ee, isiin hunda jechootaa fi hojiiwwan mullataa fi dhokataa Rabbiin jaallatuudha, ibaadaa qalbiis ta'ee yookaan kan qaamaa yookaan kan qabeenyaas

dirqamni jiru hundi isaatuu Rabbiif qulqulluu ta'uu qaba.

Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sana irratti Rabbiin akkas jedhe jechuun ragaa dhiheeffatani: "Na kadhaa" isiniifan owwaadhaa, dhugumatti isaan ana gabbaruu irraa boonan, salphattoota ta'anii, jahannam seenuuf jiru".

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Du'aa'iin bu'uura ibaadaati, Rabbiin malee waan jiruuf dabarsanii kennuun hin ta'u.
2. Du'aa'iin gabbarummaa dhugaa fi durummaa Rabbii ol ta'ee, dandeettii Isaatii fi gabrichi Isatti haajamaa ta'uu isaa raggaasisuu of keessatti qabata.
3. Sodaachisa jabaa mindaa ibaadaa Rabbii irraa boonuu fi Isa kadhachuu dhiisuun qabuudha, akkasumas isaan kadhaa Rabbii irraa boonan salphatoo xinnaatoo ta'anii jahannama akka seenuuf jiranuudha.

(5496)

(262) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عنِ النَّبِيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «لَيْسَ شَيْءٌ أَكْرَمَ عَلَى اللهِ تَعَالَى مِنَ الدُّعَاءِ». [حسن] - [رواه الترمذي وابن ماجه وأحمد]

(262) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Du'aa'ii caalaa wanti Rabbii ol ta'e biratti irra kabajamu hin jiru". [hasani] - [Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa

buusu- dhugumatti ibaadaa keessaa Rabbiin biratti wanti du'aa'ii caalu akka hin jirre ifa galchani; waan isa keessa durummaa Rabbbii ol ta'ee fi dadhabbii gabrichaa mirkaneessuun jiruuf jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa du'aa'iin qabuudha, dhugumatti namni Rabbiin kadhate Isa guddiseera, akkasumas akka Inni dureessa ta'e Isaaf mirkaneessaa jira, rakkataan hin kadhatamu, Inni dhagahaadha duudaan hin kadhatamu, Inni arjaadha donni hin kadhatamu, Inni mararfataadha gara jabeessi hin kadhatamu, Inni danda'aadha dadhabaan hin kadhatamu, Inni dhihoodha fagaataan hin dhagahu, wanni biroos kan sifaata guddinaa fi bareedinaa Rabbii ol ta'ee irraa ta'e akkasuma.

(5509)

(263) – عَنْ أَنَسٍ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يُكْثِرُ أَنْ يَقُولَ: «يَا مُقَلِّبَ القُلُوبِ ثَبِّتْ قَلْبِي عَلَى دِينِكَ»، فَقُلْتُ: يَا رَسُولَ اللهِ، آمَنَّا بِكَ وَبِمَا جِئْتَ بِهِ فَهَلْ تَخَافُ عَلَيْنَا؟ قَالَ: «نَعَمْ، إِنَّ القُلُوبَ بَيْنَ أُصْبُعَيْنِ مِنْ أَصَابِعِ اللهِ يُقَلِّبُهَا كَيْفَ يَشَاءُ». [صحيح] - [رواه الترمذي وأحمد]

(263) – Anas irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuu heddummeessu ture: «Yaa kan qalbii garagaggalchitu qalbii kiyya amantii kee irratti raggasisi», nan jedhe: yaa ergamaa Rabbii, sii fi waan ati ittiin dhuftetti amannee jirra, nurratti ni

sodaattaa? isaanis ni jedhani: «eeyyeen, qalbiin quboowwan Rabbii keessaa quba lameen gidduutti argamti akka fedhe isii garagaggalcha». [sirrii] - [Tirmizii fii Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Irra guddaan kadhaa ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- amantaa fi ibaadaa irratti ragga'uu akkasuma jallinaa fi karaa irraa ba'uu irraa fagaachuu Rabbiin kadhachu ture. Anas bin Maalik -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kadhaa kana heddummeessuu isaanii ajaa'ibsiifate, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qalbiiwwan qubootii Rabbii keessaa quba lama gidduu akka jirtuu fi akka fedhetti akka isii garagargalchu isatti himani. Qalbiin buufata iimaanaatii fi kufriiti, qalbiin qalbii (kan garagalu) jedhamee kan waamameef gaggaragaluu waan heddummeessuuf jecha. inni gaggaragaluu distii yeroo danfitee caalatti gaggaragala. Rabbiin nama fedhe qajeeluma irratti gadi isa dhaabee diinii irratti isa raggaasisa. nama fedhe immoo qalbii isaa qajeeluma irraa gara dabaafii jallinaatti isa oofa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiif gadi of qabuu isaaniitii fi isatti cuucumma'uu isaanii agarsiisa, akkasuma ummata isaaniis sana kadhachuutti isaan qajeelchuutu keessa jira.
2. Barbaachisummaa amantii irratti gadi dhaabbachuu fi isa irratti ragga'uun qabuu fi kan ilaalamu xumura ta'uu isaa.
3. Garbichi hanga libsuu ijaatiifillee Rabbiin isa raggaasisuu irraa of ga'uu akka hin dandeenyeedha.

4. Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hidhachuuf jecha kadhaa kana heddummeessuutti kakaasuutu keessa jira.
5. Islaamummaa irratti ragga'uun tola isa guddicha garbichi isa argachuuf carraaquu qabuu fi isa irrattis gooftaa isaa galateeffachuu qabuudha.

(3142)

(264) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «اللَّهُمَّ أَصْلِحْ لِي دِينِي الَّذِي هُوَ عِصْمَةُ أَمْرِي، وَأَصْلِحْ لِي دُنْيَايَ الَّتِي فِيهَا مَعَاشِي، وَأَصْلِحْ لِي آخِرَتِي الَّتِي فِيهَا مَعَادِي، وَاجْعَلِ الْحَيَاةَ زِيَادَةً لِي فِي كُلِّ خَيْرٍ، وَاجْعَلِ الْمَوْتَ رَاحَةً لِي مِنْ كُلِّ شَرٍّ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(264) – Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkas jedhuu ture: «Yaa Rabbi amantii koo isa eegumsa kiyyaaf ta'e, naaf tolchi, Addunyaa koo kan jireenyi koo keessatti ta'us naaf fooyyessi, Aakhiraa koo kan deebiin koo isa keessatti ta'us naaf tolchi, Jireenya koo kan waan gaarii hundumaa irraa keessatti dabaladhu naaf taasisi, Du'aas kan hamtuu hunda irraa itti boqadhu naaf taasisi». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- du'aa'ii isa keessatti hundeelee naamusa gaggaarii kan isaan ishee guutuf ergaman walitti qabaniin kadhatan, innis tolina Amantii, tolina addunyaa fi aakhiraati, Jecha gabaabaa kana keessatti tolina wantoota sadan walitti qaboo ta'anii kana dubbatanii, Tolina

amantiitin eegalan, tolinni jiruu ganda lameenii isaan argama waan ta'eef, akkana jedhan:

(Yaa Rabbi amantii koo naaf tolchi) Naamusa isaa haala hunda caalaa fi guutuu ta’een akkan raawwadhu na waffaquun jechuu dha.

(Isa inni eegumsa dhimma kiyyaa ta'e) akkasumas Dhimma koo hundaaf eegduu kan ta'e, yoo amantiin koo bade dhimmoonni koo ni badan, anis kisaaraa keessa gala, itti aansee tolinni amantii barbaadamaan tolina addunyaatin malee waan hin guutamneef akkana jedhan:

(Addunyaa koos naaf tolchi) Fayyaa qaamaa, nageenya, jireenya, haadha manaa gaarii, maatii gaarii fi waan na barbaachisu kan halaala ta'ee ibaadaa keetirratti na gargaaru naaf kennuun, Ergasii isa kadhachuu keessatti sababaa dubbachuun, akkas jedhan:

(Ishee jireenya koo ishee keessatti ta'u), akkasumas bakki jireenya koo fi yeroon jireenya kootii kan ishee keessa ta'u.

(Aakhiraa koo kan itti deebi'uuf taa'u naaf tolchi) akkasumas deebii koo kan gara qunnamtii keetitti ta'uuf taa'us naaf tolchi, kun ammoo tolina dalagaa fi Rabbiin gabricha ikhlaasan isa gabbaruuf isa waffaqee khaatimaan toluun mirkanaa'a.

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- eega addunyaa dubbatanii Aakhiraa dubbatan; sababni isaas inni jalqabaa mala isa lammaffaa sirreessuu waan ta’eef jecha, Namni akkaataa Rabbiin barbaadutti addunyaan isaaf sirroofte aakhiraan isaas isaaf sirrooftee itti milkaa'a.

(Jireenya taasisi) akkasumas dheerina umurii, (dabalata kheyrii hundaa) kanan hojii gaggaarii itti baay'ifadhu naaf

godhi, (Du'aas naaf taasisi) Saffisiisa isas (badii hundarraa boqonnaa) akkasumas Qormaata, rakkina, dilii fi dagannoon mokkoramuu irraas, akkasumas rakkina addunyaa fi dhiphina ishee irraa bilisa ta'ee kan boqonnaan naaf argamu naaf taasisi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Amantiin wanta hunda caalaa barbaachisaa dha; Kanaafi Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- du'aa'ii keessatti isaan eegalan.
2. Amantiin nama tokkoof eegumsa yoo ta'u, innis badii hunda irraa isa dhoorga.
3. Tolina Jiruu addunyaa fi Aakiraatif jecha dhimmoota addunyaa kadhachuun barbaachisaa dha.
4. Amantii keessatti fitnaa sodaachuuf jecha du'a hawwuun, ykn shahiidummaa irratti akka du'u Rabbiin kadhachuun hin jibbamuudha.

(5482)

(265) – عَنِ ابنِ عُمَرَ رضي الله عنهما قَالَ: لَمْ يَكُنْ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَدَعُ هَؤُلَاءِ الدَّعَوَاتِ، حِينَ يُمْسِي وَحِينَ يُصْبِحُ: «اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْعَافِيَةَ فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْعَفْوَ وَالْعَافِيَةَ فِي دِينِي وَدُنْيَايَ وَأَهْلِي وَمَالِي، اللَّهُمَّ اسْتُرْ عَوْرَتِي -أَوْ: عَوْرَاتِي- وَآمِنْ رَوْعَاتِي، اللَّهُمَّ احْفَظْنِي مِنْ بَيْنِ يَدَيَّ، وَمِنْ خَلْفِي، وَعَنْ يَمِينِي، وَعَنْ شِمَالِي، وَمِنْ فَوْقِي، وَأَعُوذُ بِعَظَمَتِكَ أَنْ أُغْتَالَ مِنْ تَحْتِي». [صحيح] - [رواه أبو داود والنسائي وابن ماجه وأحمد]

(265) – Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni

irratti haa jiraatu- galgalaa fi ganama du'aa'iilee kanneen hin dhiisan ture: «Yaa Rabbi addunyaa fi aakhiraattis fayyaa si kadhadha, Yaa Rabbi dhiifamaa fi fayyaa Amantii koo, addunyaa koo, maatii koo fi qabeenya koo keessatti si kadhadha, yaa Rabbi eybii koo naa dhoksi, sodaa irraa bilisa na baasi, Yaa Rabbi dura koo, duuba koo, mirga koo, bitaa koo fi gubbaa koo na tiksi, bakka ani hin beekne irraa balaa natti dhufu irraan sitti maganfadha». [sirrii] - [Abuu Daawuud, Nasaa'ii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- du'aa'iilee kanneen galgalaa fi ganama hin dhiisan ture:

(Yaa Rabbi fayyaa si kadhadha) dhukkuba, gidiraa fi rakkina addunyaa, fedhii garagaraa fi qorumsa amantii (addunyaa fi aakhiraatti) waan ammaa fi yeroo fuulduratti dhufu irraa nagaa ta'uu si kadhadha.

(Yaa Rabbi dhiifama si kadhadha) dilii haquu fi irra darbuus (Fayyaas) mudaa hunda irraa nagaa ta'uu si kadhadha, (amantii koo keessatti) shirkii, bid'aa fi badii adda addaa irraa nagaa ta'uu, (addunyaa koo keessatti) balaa, miidhaa fi hammeenya hunda irraa nagaa ta'uu, (maatii koo) haadha manaa koo, ijoollee koo fi firoottan koo keessatti nagaa ta'uu, (Qabeenya koo) fi dalagaa koo keessattis nagaa ta'uu si kadhadha.

(Yaa Rabbi eybii koo naa dhoksi) mudaa fi hanqina natti jiru hundaas, badiilee koo narraa haqi, (sodaa koo irraa bilisa na godhi) naasuu koo fi waan sodaa natti ta'u hunda irraa nagaa na godhi.

(Yaa Rabbi na eegi) miidhaa garaagaraa fi waan nama

cinqu narraa deebisi, (fuuldura koo, duuba koo, mirga koo, bitaa koo, fi gubbaa koo na tiksi) Rabbiin gama hundaan akka isaan eegu gaafatan; Sababni isaas balaa fi rakkoon garaagaraa kallattiilee kanneenin waan ilma namaa mudatuu danda'aniif jecha.

(Balaan tasaa natti dhufuu irraa guddina keetittin maganfadha) akkasumas tasa qabamee osoo hin beekin baduu irraas, (na jala irraa) dachiin naan kutamtee baduu irraas sitti maganfadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rasuulatti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hidhachuuf jecha Jechoota kanneen irratti tikfachuun barbaachisaa ta'uudha.
2. Akkuma namni tokko amantii keessatti Rabbiin fayyaa akka kadhatu ajajame, addunyaa keessattis akka fayyaa kadhatu ajajamee jira.
3. Xiibiin akkana jedhe: Kallattiiwwan jahan hammateera gidiraan (rakkoon) karaa isaaniin waan dhufaniif jecha. kallattii gara gadii cimsanii wanti ibsaniif rakkoon gara kanaan dhufu caalaa salphisaa waan ta'eef jecha.
4. Zikrii ganamaa jechuu keessatti irra caalaan: Fajriin bahuu irraa jalqabee hanga aduun baatutti jalqaba guyyaa keessatti, Asrii booda irraa kaasee hanga osoo aduun hin lixin duratti, sana booda yoo isii jedhe, jechuun: ganama erga bari’ee booda yoo isii jedhe sun isaaf gahaadha, sa’aatii zuhrii booda yoo isii jedhes isaaf gahaadha, erga aduun lixxee booda yoo jedhes gahaadha, yeroon sun yeroo zikrii itti jedhani.

5. Zikriin halkan keessaa yeroo murtaa'e qabaachuu irratti wanni ragaan agarsiise kan akka aayaa lamaan dhuma Suuraa Baqaraaa qara'uu inni halkan erga aduun lixxee booda taha.

(5485)

(266) – عَنْ عَائِشَةَ أُمِّ المُؤْمِنِينَ رضي الله عنها أَنَّ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ عَلَّمَهَا هَذَا الدُّعَاءَ: «اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنْ الْخَيْرِ كُلِّهِ، عَاجِلِهِ وَآجِلِهِ، مَا عَلِمْتُ مِنْهُ وَمَا لَمْ أَعْلَمْ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ الشَّرِّ كُلِّهِ، عَاجِلِهِ وَآجِلِهِ، مَا عَلِمْتُ مِنْهُ وَمَا لَمْ أَعْلَمْ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنْ خَيْرِ مَا سَأَلَكَ عَبْدُكَ وَنَبِيُّكَ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا عَاذَ بِهِ عَبْدُكَ وَنَبِيُّكَ، اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ الْجَنَّةَ، وَمَا قَرَّبَ إِلَيْهَا مِنْ قَوْلٍ أَوْ عَمَلٍ، وَأَعُوذُ بِكَ مِنْ النَّارِ، وَمَا قَرَّبَ إِلَيْهَا مِنْ قَوْلٍ أَوْ عَمَلٍ، وَأَسْأَلُكَ أَنْ تَجْعَلَ كُلَّ قَضَاءٍ قَضَيْتَهُ لِي خَيْرًا». [صحيح] - [رواه ابن ماجه وأحمد]

(266) – Aa'ishaa Haadha Mu'umintootaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- du'aa'ii kana isii barsiisan: «Yaa Rabbi kheyrii hunda si kadhadha, ariifataa fi harkifataa isaa, waan ani beekuf hin beeknes, badii hundumaa irraa sitti maganfadha, ariifataa fi harkifataa isaa, waan ani beekuf hin beeknes, Yaa Rabbi gaarii waan gabrichi kee fi Nabiyyiin kee si kadhatan si kadhadha, hamtuu gabrichi kee fi Nabiyyiin kee irraa maganfatan irraa sitti maganfadha, Yaa Rabbi jannataa fi jecha ykn gocha irraa waan gara isitti na dhiheessu si kadhadha, Ibiddaa fi jecha ykn gocha irraa waan gara isitti na dhiheessu irraa sitti maganfadha, Murtoo naaf murteessitu hunda akka gaarii gootu si kadhadha».

[sirrii] - [Ibnu Maajaa fi Ahmad tu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Aa'ishaa, Rabbiin ishee irraa haa jaallatu, kadhannaa waliigalaa afur barsiisan:

Inni jalqabaa: waan gaarii hundaaf du'aa'ii waliigalaati: (Yaa Rabbi waan gaarii hunda si kadhadha) (ariifataa isaa) kan yeroo dhiyotti ta'uu fi (boodatti harkifataa isaa) kan yeroo fagootti dhufu si kadhadha, (waan isa baradhe) kan ati na barsiifte fi (waan ani hin beekin) waan beekumsa kee keessa jiru irraa, Ati qulqulloofte. Isa keessatti Raabbii isa Hundumaa beeku, isa gara laafessa ta'etti dhimma ofi hirkifachuutu jira.

Du'aa'iin lammaffaa: Inni Muslima kadhannaa keessatti daangaa darabuu irraa eeguudha, (Yaa Rabbi si kakadha) si gaafadha, (Waan gabrichi kee fi Nabiyiin kee si gaafate) nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu,(sitti maganfadha) sitti dheessa kooluu gala, (Badii gabrichi kee fi Nabiyyiin kee irraa sitti maganfate irraa) nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, kun du'aa'ii fi gaaffii Rabbiin waan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isa kadhatan irraa akka kadhataaf kennuuf ta'eedha, osoo waan isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kadhatan hin lakkaa'in.

Du'aa'iin sadaffaa: Jannata seenuu fi ibidda irraa fagaachuu gaafachuu yoo ta'u, inni fedhii Muslima hundaafi galma hojii isaati: (Yaa Rabbi jannata si kadhadha) ittiin milkaa'uu fi (jecha ykn gocha irraa ta'ee waan itti dhiheessu) kan jaalachiisu kamiyyuu si kadhadha, (ibidda irraa sitti maganfadha) rahmata keetiin yoo tahe malee akka hojii fokkisaa fi badaa keennaatin nagaa irraa bahuun hin jiru, (akkasumas jecha ykn gocha irraa

ta'ee waan itti dhiheessu irraas sitti maganfadha) badiiwwan si dallansiisan irraa.

Du'aa'iin afraffaa: waan Rabbi murteesse jaalachuu kadhachuudha, (Murtii ati naaf murteessite hundumaas akka gaarii naaf gootu si gaafadha) Dhimma Rabbi naaf murteesse hundumaas, gaarii naaf taasisuu kadhadha, kun waan Rabbiin murteesse jaalachuu kadhachuu irraayi.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Namichi dhimmoota amantii fi addunyaa ilaalchisee maatii isaa waan isaan fayyadu barsiisuudha, akkuma Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Aa'shaa barsiisanitti.
2. Muslimni du'aa'ii Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa nu dhaqqabe, kadhaa waan mara walitti qabu waan ta'eef, sammutti qabachuun irra caalaa dha.
3. Ulamaa'onni Hadiisa kana ilaalchisee akkana jedhan: Inni waa'ee gaarii kadhachuu fi badii irraa maganfachuu irratti walitti qabaadha, kanaaf inni jechoota walitti qaboo ta'an kan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isaan kennaman irraayi.
4. Booda rahmata Rabbiitii Jannata seenuuf sababoota nama gargaaran keessaa: gochoota fi jechoota gaggaariidha.

(5487)

(267) – عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرِو بْنِ الْعَاصِ رضي الله عنهما قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِنَّ الْإِيمَانَ لَيَخْلَقُ فِي جَوْفِ أَحَدِكُمْ كَمَا يَخْلَقُ الثَّوْبُ الْخَلِقُ، فَاسْأَلُوا اللَّهَ أَنْ يُجَدِّدَ الْإِيمَانَ فِي قُلُوبِكُمْ». [صحيح] - [رواه الحاكم والطبراني]

(267) – Abdullaah ilma Amrii ilma Aas irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Iimaanni qalbii tokkoo keessanii keessatti akka huccuun bututee moofa'utti moofa'a, kanaafuu qalbii keessan keessatti akka iimaana haaromsu Rabbiin kadhaa". [sirrii] - [Haakimii fi Xabraaniitu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akka huccuun haaraa yeroo dheeraa fayyadamuu irrra kan ka'een moofa'uutti iimaanni qalbii muslimaa keessatti akka moofa'uu fi dadhabu himani. Sunis sababaa ibaadaa irraa dadhabuutiini, yookaan sababaa badiiwwan hojjachuu fi fedhii lubbuutiin liqimfamuutiini. Kanaafuu nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- iimaana keenya akka nuuf haaromsuuf Rabbiiin akka kadhannu nu qajeelchani, sunis dirqamoota hojjachuu fi zikrii fi araarama kadhachuu heddummeessuuni.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ragga'iinsa fi iimaana qalbii keessatti haaromsuu Rabbiin kadhachuutti kakaasuutu keessa jira.
2. Iimaanni jecha, hojii fi aqiidaa qalbiitti hidhatan yoo ta'u, innis ajaja (Rabbii guutuun) ni dabala, badii hojjachuun immoo ni hir'ata.

(65020)

(268) – عَنْ مُعَاذِ بْنِ جَبَلٍ رضي الله عنه: أَنَّ رَسُولَ صَلَّى عَلَيْهِ وَسَلَّمَ أَخَذَ بِيَدِهِ، وَقَالَ: «يَا مُعَاذُ، وَاللَّهِ إِنِّي لَأُحِبُّكَ»، فَقَالَ: «أُوصِيكَ يَا مُعَاذُ لَا تَدَعَنَّ فِي دُبُرِ كُلِّ صَلَاةٍ

تَقُولُ: اللَّهُمَّ أَعِنِّي عَلَى ذِكْرِكَ وَشُكْرِكَ وَحُسْنِ عِبَادَتِكَ». [صحيح] - [رواه أبو داود والنسائي وأحمد]

(268) – Mu'aaz bin Jabal irraa odeeffamee. Rabbiin irraa haa jaallatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- harka isaa qabanii akkas jedhaniin: «Yaa Mu'aaz Rabbitti kakadhee ani sin jaalladha», eegasii akkas jedhaniin: «Siifin Dhaama yaa Mu'aaz xumuura salaata hundatti akkas jechuu hin dhiisin: Yaa Rabbi si yaadachuu, si galateeffachuu fi akka gaariitti si gabbaruu irratti na gargaari». [sirrii] - [Abuu Daawuud, Nasaa'ii fi Ahmadtu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- harka Mu'aaz -Rabbiin irraa haa jaallatu- qabanii akkas jedhaniin: Yaa Mu'aaz Rabbitti kakadhee ani si jaalladha, ani siifin Dhaama yaa Mu'aaz xumura salaata hundatti akkas jechuu hin dhiisin: (Yaa Rabbi si yaadachuu irratti na gargaari) jechaa fi gocha gara kheyritti nama dhiheessu hunda keessatti. (Si galateeffachuu irratti) qananiin argamee balaan deebi'uudhaan. (Akka gaariittis Si gabbaruu irratti) Rabbiif dalagaa qulqulleessuu fi Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hordofuun.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nama tokko akka Rabbiif jecha isa jaalatan itti himuun karaa ta'uudha.
2. Salaata dirqamaa fi sunnaa hunda boodatti du'aa'ii kana gochuun jaalatamaa tahuudha.
3. Jechoota muraasa kanaan du'aa'ii godhachuu keessatti addunyaa fi aakhiraatti waan barbaadan argachuun akka

danda'amuudha.

4. Faayidaa Rabbiif jecha nama jaalachuun qabu keessaa dhugaa walii dhaamuu, gaarii waliif yaaduu fi karaa haqaa fi sodaa Rabbii irratti wal gargaaruudha.
5. Xiibiin akkana jedhe: Rabbiin zakkaruun jalqaba gammachuuti, Isa galateeffachuun immoo mala qananii argachuuti, Ibaadaa gaariin immoo isarraa barbaadamaan waan Rabbii ol ta'e irraa nama dagu irraa bilisa ta'uudha.

(3518)

(269) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «أَقْرَبُ مَا يَكُونُ الْعَبْدُ مِنْ رَبِّهِ وَهُوَ سَاجِدٌ، فَأَكْثِرُوا الدُّعَاءَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(269) – Abuu Hurayraa irraa akk odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Gabrichi Rabbii isaatti akkaan kan dhihaatu yeroo sujuuda keessa jirutti, kanaafuu kadhaa heddummeessaa". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gabrichi Rabbii isaatti akkaan kan dhihaatu yeroo sujuuda keessa jirutti akka ta'e ibsan, kunis namni salaatu yeroo sujuudutti Rabbii injifatee guddateef bitamuu fi Isaaf of xinneessuu fi Isaaf gadi of qabuuf jecha irra olaanaa fi irra kabajamaa qaama isaa dachii irra waan kaa'uufi.

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti sujuuda keessatti kadhaa heddummeessuutti ajajanii jiru, jechaa fi hojiin of gadi qabuutu sana keessatti wolitti qabama.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Rabbii ol ta'eef ajajamuun Isatti dhiheenya gabrichaaf dabala.
2. Sujuuda keessatti kadhaa heddummeessuun jaallatamaa ta'uu isaati, waan inni bakkoolee qeebaltii irraa ta'eef jecha.

(5382)

(270) – عَنْ أَنَسٍ رضي الله عنه قَالَ: كَانَ أَكْثَرُ دُعَاءِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «اللَّهُمَّ رَبَّنَا آتِنَا فِي الدُّنْيَا حَسَنَةً، وَفِي الآخِرَةِ حَسَنَةً، وَقِنَا عَذَابَ النَّارِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(270) – Anas irraa odeefamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: Irra baay'een du'aa'ii Nabiyyii -nagaa fi rahmnni isaan irra haa jiraatu- akkana jechuudha ture: "Yaa Rabbii keenya duniyaa irratti waan gaarii nuuf kenni, Aakhirattis waan gaarii nuuf kenni, azaaba ibiddaa irraas nu tiksi". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- du'aa'ii yeroo tokkotti waa hedduu of keessatti qabatuun kadhannaa kan baay'isan turan, sana keessaa: "Yaa Rabbii keenya duniyaa irratti waan gaarii nuuf kenni, Aakhirattis waan gaarii nuuf kenni, azaaba ibiddaa irraas nu tiksi" jechuudha. Du'aa'in kun gaarummaa addunyaa kan akka rizqii bareedduu, bal'aa halaal, haadha manaa gaarii, ilmoo ijji itti gammaddu, beekumsa faayidaa qabu, hojii gaarii, fi wantoota hawwataa fi hayyamaman biroo of keessatti hammata, akkasumas tolina

aakhiraa, adabbii qabrii, fi ibidda jahannam irraa bilisa ta'uu, jaalala Rabbii argachuu, qananii dhaabbataa ta'een milkaa'u fi Rabbii rahmata guddaa qabutti dhihaachuudha of keessatti hammata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nabiyyii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- fakkeenyummaan hordofuuf jecha, du'aa'ii hunda galeessa fayyadamuun jaallatamaa ta'uudha.
2. Namni yeroo du'aa'ii godhatu du'aa'ii isaa keessatti kheyrii addunyaa fi Aakhiraa walitti qabee kadhachuun caalaatti kadhannaa isaa guutuu taasisa.

(5502)

(271) – عَنْ أَبِي الدَّرْدَاءِ رضي الله عنه قَالَ: قَالَ النَّبِيُّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «أَلَا أُنَبِّئُكُمْ بِخَيْرِ أَعْمَالِكُمْ، وَأَزْكَاهَا عِنْدَ مَلِيكِكُمْ، وَأَرْفَعِهَا فِي دَرَجَاتِكُمْ وَخَيْرٌ لَكُمْ مِنْ إِنْفَاقِ الذَّهَبِ وَالوَرِقِ، وَخَيْرٌ لَكُمْ مِنْ أَنْ تَلْقَوْا عَدُوَّكُمْ فَتَضْرِبُوا أَعْنَاقَهُمْ وَيَضْرِبُوا أَعْنَاقَكُمْ؟» قَالُوا: بَلَى. قَالَ: «ذِكْرُ اللهِ تَعَالَى». [صحيح] - [رواه الترمذي وابن ماجه وأحمد]

(271) – Abuu Addardaa irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Hojiilee keessan keessaa irra caalaa isiniif himuu, akkasumas Rabbii keessaniin biratti irra qulqulluu ishee, sadarkaa keessan ol kaasuu keessatti irra ol aantuu ishee, warqee fi meetii kennachuu irra caaltuu kan taate fi diina keessan qunnamtanii morma isaanii rukutuu fi isaanis morma keessan rukutuu irra caaltuu kan taate isiniif himuu?» ni jedhan: Eeyyee. Isaanis ni jedhan: «Rabbii ol ta'e zakkaruudha». [sirrii] -

[Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sahaabaa isaanii akkana jedhanii gaafatan:

Irra caalaa hojiilee keessanii fi Rabbii guddaan biratti irra kabajamtuu, irra caaltuu fi irra qulqulluu ishee isiniif himuu fi isin barsiisuu ni barbaadduu?

Sadarkaa keessan Jannata keessatti kan irra ol kaastu?

Warqee fi meetii sadaqachuu irra kan isiniif caaltu?

Lolaaf Kaafiroota diina keessan wajjiin wal qunnamtanii, isin morma isaanii rukuttanii, isaanis morma keessan rukutuu irra caaltuu kan taate?

Sahaabonnis ni jedhan: Eeyyee, nuti akkas barbaanna.

Isaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: yeroo fi haala hunda keessatti Rabbii ol ta'e zakkaruudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Gubbaa fi keessanis itti fufiinsaan Rabbii ol ta'e zakkaruun irra guddaa wantoota Rabbittiin dhihaatanii fi Rabbiin biratti irra bu'a qabeessa ta'uudha.
2. Hojiileen hundi kan karaa godhamte Rabbii ol ta'e zakkaruuf jecha, Rabbiin ol ta'e akkana jedhe: (Ana zakkaruuf jecha salaata dhaabi). Isaanis, -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Beytiifii Safaa Marwaa jidduu naanna'uu fi dhagaa darbachuun Rabbii ol ta'e zakkaruuf jecha taasifame". Abuu Daawuudii fi Tirmiiziitu gabaase.
3. Al-Izzu bin Abdussalaam Qawaa'ida isaa keessatti akkana jedhe: Hadiisni kun Mindaan ibaadaalee hunda keessatti

hamma dadhabbiitin akka hin taane wantoota agarsiisan keessaa isa tokkoodha, inumaayyuu Rabbiin ol ta'e dalagaa gurguddoo irratti mindaa kennu caalaa dalagaa xixiqqoo irratti mindaa guddaa yeroo tokko tokko ni kenna. Mindaan akka garaagarummaa sadarkaatin ta'a.

4. Munaawiin Feydul Qadiir keessatti akkana jedhe: Hadiisni kun warra yeroo san ilaallatu ilaalchisee zikriin akka isaanif irra caalaa ta'e agarsiisa, nama jabaa goota lola keessatti islaamummaa fayyaduun isaan argamu ilaalchisee osoo dubbatamee Silaa irra caalaan dalagaa jihaada jedhamaani ture, ykn dureessa qabeenya isaatin namni hiyeessi fayyadamu osoo ta'ee silaa irra caalan dalagaa sadaqaadha jedhamaani ture, akkasumas nama Hajjii gochuu irratti dandeettii qabu osoo ta'ee silaa irra caalaan dalagaa Hajjii gochuudha jedhamaani ture, ykn nama haadha fi abbaa qabu osoo ta'ee irra caalaan dalagaa isaanitti tola ooluudha jedhamaani ture, kanaani jidduu Hadiisowwanii wal simachuun argama.
5. Irra guutuun zikrii waan arrabni xiinxala qalbiitin dubbateedha. eegasii waan qalbii qofaan ta'e, suni waan akka xiinxaluuti, eegasii waan arraba qofaan ta'e,. Yoo Rabbiin ol ta'e fedhe hunduma keessa mindaan jira.
6. Muslimni zikriiwwan haala yeroo waliin walqabatan, kan akka zikrii ganamaa fi galgalaa, masjida fi mana seenuu, mana fincaani seenuu fi irraa bahuu fi kan biroo irratti tikfachuun namoota hedduu Rabbiin zakkaran irraa isa taasisa.

(3575)

(272) – عَنْ مُعَاذِ بْنِ جَبَلٍ رضي الله عنه قَالَ: كُنْتُ مَعَ النَّبِيِّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِي سَفَرٍ، فَأَصْبَحْتُ يَوْمًا قَرِيبًا مِنْهُ وَنَحْنُ نَسِيرُ، فَقُلْتُ: يَا رَسُولَ اللهِ أَخْبِرْنِي بِعَمَلٍ يُدْخِلُنِي الجَنَّةَ وَيُبَاعِدُنِي عَنِ النَّارِ، قَالَ: «لَقَدْ سَأَلْتَنِي عَنْ عَظِيمٍ، وَإِنَّهُ لَيَسِيرٌ عَلَى مَنْ يَسَّرَهُ اللَّهُ عَلَيْهِ، تَعْبُدُ اللَّهَ وَلاَ تُشْرِكْ بِهِ شَيْئًا، وَتُقِيمُ الصَّلاَةَ، وَتُؤْتِي الزَّكَاةَ، وَتَصُومُ رَمَضَانَ، وَتَحُجُّ البَيْتَ» ثُمَّ قَالَ: «أَلَا أَدُلُّكَ عَلَى أَبْوَابِ الخَيْرِ: الصَّوْمُ جُنَّةٌ، وَالصَّدَقَةُ تُطْفِئُ الخَطِيئَةَ كَمَا يُطْفِئُ الْمَاءُ النَّارَ، وَصَلاَةُ الرَّجُلِ مِنْ جَوْفِ اللَّيْلِ» قَالَ: ثُمَّ تَلَا: «{تَتَجَافَى جُنُوبُهُمْ عَنِ الْمَضَاجِعِ}، حَتَّى بَلَغَ {يَعْمَلُونَ}» ثُمَّ قَالَ: «أَلَا أُخْبِرُكَ بِرَأْسِ الأَمْرِ كُلِّهِ وَعَمُودِهِ، وَذِرْوَةِ سَنَامِهِ؟» قُلْتُ: بَلَى يَا رَسُولَ اللهِ، قَالَ: «رَأْسُ الأَمْرِ الإِسْلاَمُ، وَعَمُودُهُ الصَّلاَةُ، وَذِرْوَةُ سَنَامِهِ الجِهَادُ» ثُمَّ قَالَ: «أَلَا أُخْبِرُكَ بِمَلاَكِ ذَلِكَ كُلِّهِ؟» قُلْتُ: بَلَى يَا نَبِيَّ اللهِ، فَأَخَذَ بِلِسَانِهِ قَالَ: «كُفَّ عَلَيْكَ هَذَا» فَقُلْتُ: يَا نَبِيَّ اللهِ، وَإِنَّا لَمُؤَاخَذُونَ بِمَا نَتَكَلَّمُ بِهِ؟ فَقَالَ: «ثَكِلَتْكَ أُمُّكَ يَا مُعَاذُ، وَهَلْ يَكُبُّ النَّاسَ فِي النَّارِ عَلَى وُجُوهِهِمْ أَوْ عَلَى مَنَاخِرِهِمْ إِلَّا حَصَائِدُ أَلْسِنَتِهِمْ».

[صحيح بمجموع طرقه] – [رواه الترمذي وابن ماجه وأحمد]

(272) – Mu'aaz bin Jabal irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyii wajjiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- imala tokko keessatti guyyaa tokko osoo deemnuu itti dhiyaadhee, akkana jedheen: Yaa Ergamaa Rabbii: Hojii jannata na galchee ibidda irraa na fageessu natti himi, Isaanis akkana jedhan: «Waan guddaa irraa na gaafatte, innis nama Rabbiin isaaf salphise irratti salphaadha, Rabbiin gabbarta, homaa isa waliin hin hirmaachiftu, Salaata raawwatta, zakaa ni kennita, Ramadaana ni soomta, Mana Rabbii hajjii ni goota». Eegasii akkana jedhan: «Ani hulaalee kheyrii irratti si

qajeelchuu?: Soomni gaachana, sadaqaan akkuma bishaan ibidda dhaamsu dilii namaa dhaamsa, salaata namichaati halkan keessatti». ni jedhe: Eegasii ni qara'an: {Cinaachi isaanii bakkoolee hirriibaa irraa ni fagaatti} eddoo {Ya'amaluun}» jedhu hanga gahanitti, eegasii akkana jedhan: «Mataa dhimmichaa hundaa fi utubaa isaati fi fiixxee dalluu isaa sitti hin himuu ree?» Anis akkanan jedheen: Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii, ni jedhan: «Mataan dubbii Islaamummaadha, utubaan isaa salaata, fiixxeen dalluu isaa jihaada». Eegasii akkana jedhan: «Waan kana hundumaa walitti qabatu sitti himuu?»

Anis akkanan jedheen: Eeyyee yaa Nabiyyii Rabbii, Arraba isaanii qabatanii akkana jedhan: «Kana of irratti qabi» nan jedheen: Yaa Nabiyyii Rabbii, nuti Dhugumatti waan dubbannuuf jecha ni qabamnaa? Isaanis akkana jedhan: «Yaa Mu'aaz haati kee si haa dhabdu! miidhaa arraba isaanii malee namoota fuula isaaniitiin ykn funyaan isaanitiin ibidda keessatti isaan ni kuffisaa?». [Walitti qabama karaalee isaatiin sahiiha ta'a] - [Tirmizii, Ibnu Maajaa fi Ahmadtu odeessan]

Ibsaa:

Mu'aaz, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ani imala wahii keessatti Nabiyyii wajjiin ture, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, guyyaa tokko osoo deemutti jirruu ani itti dhihaadhee, akkana jedheen: Yaa Ergamaa Rabbii, waan Jannata na galchee ibidda irraa na fageessu natti himi, Isaanis akkana jedhan: Hojii isa hojjechuun lubbuuwwan irratti ulfaatu irraa dhugumatti na gaafatte, garuu inni nama Rabbiin salphiseef irratti salphaa dha, Dirqamoota Islaamaa raawwadhu:

Tokkoffaa: Osoo homaa itti hin daballe Rabbii tokkicha qofa gabbarta.

Lammaffaa: Salaata dirqamaa shanan halkanii fi guyyaa keessatti ulaagaalee, utubaalee fi dirqamoota isaanii eeguun raawwatta, isaanis: salaata subhii, Zuhrii, asrii, magriba fi Ishaa'iidha.

Sadaffaa: Zakaa dirqamaa ni baafta, isheenis ibaadaa qabeenyaa tan qabeenya shari'aa keessatti hanga murtaa'e irra gahe hunda keessatti dirqama taatuudha, namoota ishee haqa godhataniif kennamti.

Afraffaa: Sooma Ramadaanaa ni soomta, innis nyaata, dhugaatii fi wantoota biroo kan sooma balleessan irraa barii irraa kaasee hanga aduun lixxutti niyyaa Rabbiin gabbaruutin of qabuudha.

Shanaffaa: Makkaa deemuudhaan sirnoota Hajjii niyyaa Rabbii ol ta'e gabbaruutin ni raawwatta.

Ergasii isaan -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Karaawwan balbala kheyritti nama geessan si barsiisuu? sunis dirqamoota sana jala sunnaalee hordofsiisuudha:

Tokkoffaa: Sooma sunnaati, inni fedhii keessatti cabsuu fi humna laaffisuun namicha akka badii keessa hin kufne taasisa.

Lammaffaa: Sadaqaan sunnaa dilii erga raawwatanii booda dhaamsitee, mallattoo isaas balleessiti.

Sadaffaa: Salaata Tahajjudaa halkan sadaffaa isa dhumaa keessatti salaatamuudha, ergasii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni qara'an: {Tatajaafaa junuubuhum} jechuunis: cinaachi isaanii ni fagaatti jechuudha, {Anil madaaji'i} jechuunis: bakkoolee hirriibaa irraa jechuudha, {Rabbii isaanii kadhatan} salaata salaatuun, Zikrii gochuun, Qur'aana dubbisuun, Rabbiin kadhachuun, {Sodaatanii fi kajeelaa, waan

Nuti isaaniif kennine irraas ni sadaqatu, lubbuun kamiyyuu waan gammachuu ijaa irraa isaanif dhokfame hin beektu} Kana jechuun guyyaa qiyaamaa fi jannata keessatti qananii irraa waan ijji isaanii itti gammadduudha, {Mindaa waan isaan hojjataa turaniif jecha}.

Ergasii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Bu'ura amantii, utubaa isaa kan inni irratti hirkatuu fi fiixxee dalluu isaa siif himuu?

Mu'aaz, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii.

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Mataan dubbii: Islaamummaadha, innis shahaadaa lamaani, isaan lamaanin bu'urri amantii ilma namaa bira jiraata. Utubaan isaa: salaata, Akkuma manni utubaa malee ta'uu hin dandeenye salaataan malee islaamummaan hin jiru, Namni salaate amantiin isaa jabaatee ol ka'a; fiixxeen dalluu isaati fi ol ka'iinsi isaa jihaada fi diina amantiitin loluu keessatti jecha Rabbii ol taasisuuf jecha carraaqqii gochuudha.

Eegasii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: mirkaneessa wanta armaan olitti dabree sitti himuu? eegasii isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- arraba isaanii qabatanii akkana jedhan: Kana ittisi waan si hin fayyanne hin dubbatin. Mu'aaz akkana jedhe: Rabbiin keenya waan nuti dubbannu hundaaf jecha nu adabaa?!

Isaanis, -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Haati kee si haa dhabdu! Isatti kadhachuuf kan yaadame osoo hin taane, garuu inni waan Araboonni wanni kun xiyyeeffannaa itti kennuu fi beekamuu qaba jedhanii yaadan keessatti fayyadamaniidha. Ergasii akkana jedhan: Miidhaan arraba

isaanii kufrii, nama zinaan darbachuu, arrabsuu, nama addaan kutuu, hamachuu, soba fi kan kana fakkaatan irraa ta'e malee wanti namoota fuula isaanitiin ibidda keessatti kuffisu ni jiraa?

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sahaabonni, Rabbiin isaan irraa haa jaallatu, beekumsaaf fedhii guddaa kan qaban irraa kan ka'een, yeroo baay'ee Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhimma garagaraa gaafatan.
2. Sahaabonni -Rabbiin irraa haa jaallatu- hojiileen jannata seenuuf sababaa akka ta'an beekuu isaanitiif hubannaa guddaa akka qabaniidha.
3. Gaaffiin Mu'aaz irraa dhufe, Rabbiin irraa haa jaallatu, gaaffii guddaadha; Sababni isaas dhugumatti inni iccitii jireenyaa fi argamiinsaa waan ta'eef jecha, ilmaan Aadam ykn jinnii irraa ta'ee wanni addunyaa tana irratti argamu hundi booddeen isaa gara Jannataa ykn gara ibiddaati ta'a, Kanaaf gaaffii kun gaaffii guddaa ta'e.
4. Jannata seenuun isaa utubaawwan Islaamaa shanan, isaanis: Shahaadaa lamaan, salaata, zakaa, sooma, fi hajjii irratti hundaa'a.
5. Mataan amantii, hojiiwwan hunda caalaa gatii guddaa kan qabuu fi irra ol aanaan dirqamootaa gabbartii isaatin Rabbii tokkicha hiriyyaa hin qabne tokkichoomsuudha.
6. Rabbiin gabroota isaatif rahmata godhuudha, sunis maloota mindaa fi araarama diliiwwanii ittiin argatan irraa akka isaan guduunfataniif jecha balbala kheyrii isaanif banuudhaan.
7. Eega dirqamoota raawwatanii sadarkaa sunnaalee

raawwachuun qabuudha.

8. Salaanni Islaamummaa irraa sadarkaa utubaa manni irratti dhaabbatutti jira, akkuma utubaan kufuun manni kufutti salaanni deemuun islaamummaan deema.
9. Amantaa isaa keessatti waan isa miidhu irraa ilmi namaa arraba eeggachuun dirqama ta'uudha.
10. Arraba ofii ittisuun fi too'achuun bu'uura gaarummaa hundaati.

(4303)

(273) – عَنْ عَائِشَةَ رضي الله عنها: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ كَانَ إِذَا أَوَى إِلَى فِرَاشِهِ كُلَّ لَيْلَةٍ جَمَعَ كَفَّيْهِ، ثُمَّ نَفَثَ فِيهِمَا فَقَرَأَ فِيهِمَا: {قُلْ هُوَ اللهُ أَحَدٌ}، وَ{قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ الْفَلَقِ}، وَ{قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ النَّاسِ}، ثُمَّ يَمْسَحُ بِهِمَا مَا اسْتَطَاعَ مِنْ جَسَدِهِ، يَبْدَأُ بِهِمَا عَلَى رَأْسِهِ وَوَجْهِهِ وَمَا أَقْبَلَ مِنْ جَسَدِهِ، يَفْعَلُ ذَلِكَ ثَلَاثَ مَرَّاتٍ. [صحيح] - [رواه البخاري]

(273) – Aa'ishaa irraa odeeffamee -Rabbiin isii irraa haa jaallatu-: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- halkan hundaa yeroo gara firaasha isaanitti bahanitti ganaa isaanii lameen walitti qabanii, eegasii isaan keessatti tuttufuun: {Qul huwa allaahu ahad}, {Qul a'uuzu birabbil falaq} fi {Qul a'uuzu birabbinnaas} isaan keessatti qara'anii, eegasii qaama isaanii irraa bakka danda'an isaan haxaawu ture, mataa isaanii, fuula isaanii fi qaama isaanii gara fuulduraa irraa eegalu, yeroo sadii waan sana hojjatu. [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Karaa isaanii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hirribaaf jecha yeroo firaasha isaaniitti

bahanitti ganaa isaani lameen walitti qabanii ol fuudhuun -akka namni Rabbiin kadhatu ol fuudhutti- gorora xiqqoo waliin afaan isaanii keessaa afuuffaa xiqqoo isatti afuufuun suuraa sadeen: {Qul huwallaahu ahad} {Qul a'uuzu birabbil falaq} fi {Qul a'uuzu birabbinnaas}, eegasii ganaa isaanii lameeniin mataa isaanii, fuula isaanii fi qaama isaanii gama fuulduraa irraa eeegaluun qaama isaanii irraa hanga danda'an haxaawu, yeroo sadi irra deddeebi'uun akkas godhu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Hirribaan duratti suuraa ikhlaasii fi qul a'uuzuu lameen qara'uun isaaniin tuttufuun jallatamaa ta'uu isaa, qaama isaa irraa hanga danda'e haxaa'uu waliin.

(65060)

(274) – عَنْ شَدَّادِ بْنِ أَوْسٍ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «سَيِّدُ الِاسْتِغْفَارِ أَنْ تَقُولَ: اللَّهُمَّ أَنْتَ رَبِّي لَا إِلَهَ إِلَّا أَنْتَ، خَلَقْتَنِي وَأَنَا عَبْدُكَ، وَأَنَا عَلَى عَهْدِكَ وَوَعْدِكَ مَا اسْتَطَعْتُ، أَعُوذُ بِكَ مِنْ شَرِّ مَا صَنَعْتُ، أَبُوءُ لَكَ بِنِعْمَتِكَ عَلَيَّ، وَأَبُوءُ لَكَ بِذَنْبِي فَاغْفِرْ لِي، فَإِنَّهُ لَا يَغْفِرُ الذُّنُوبَ إِلَّا أَنْتَ» قَالَ: «وَمَنْ قَالَهَا مِنَ النَّهَارِ مُوقِنًا بِهَا، فَمَاتَ مِنْ يَوْمِهِ قَبْلَ أَنْ يُمْسِيَ، فَهُوَ مِنْ أَهْلِ الجَنَّةِ، وَمَنْ قَالَهَا مِنَ اللَّيْلِ وَهُوَ مُوقِنٌ بِهَا، فَمَاتَ قَبْلَ أَنْ يُصْبِحَ، فَهُوَ مِنْ أَهْلِ الجَنَّةِ». [صحيح] - [رواه البخاري]

(274) – Shaddaad bin Aowsii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- ni jedhan: “Gooftaan istighfaaraa ati akkas jechuudha: Yaa Rabbi Ati Gooftaa kooti si malee haqaan gabbaramaan hin jiru, siitu na uume ani gabricha keeti, hamman danda'een ahdii

keeti fi waadaa kee irra jira, hamtuu waanan hojjedhe irraan sitti maganfadha, qananii ati na irratti oolte siifin raggaasisa, dilii koos siifin raggaasisa, kanaaf naaf araarami, si malee kan namaa araaramu hin jiru", ni jedhani: "Namni isii dhugoomsaa haala ta'een guyyaa keessatti isii jedhee, osoo hin galgalaayin du'e, inni warra jannataa irraayi, namni isii dhugoomsaa haala ta'een halkan keessatti isii jedhee, osoo hin bari'in du'e, inni warra jannataa irraayi". [sirrii] - [Bukhaariitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- istighfaaraf jechoonni hedduun akka jiranii fi isaan keessaa inni irra caala fi irra guddaan gabrichi akkas jechuu akka ta'e himan: "Yaa Rabbi Ati Gooftaa kooti si malee haqaan gabbaramaan hin jiru, situ na uume ani gabricha keeti, hamman danda'een ahdii kee fi waadaa kee irra jira, hamtuu waanan hojjedhe irraa sitti maganfadha, qananii ati na irratti oolte siifin raggaasisa, dilii koos siifin raggaasisa, kanaaf naaf araarami, si malee inni dilii araaramu hin jiru". Garbichi dursee Rabbiif tokkichummaa ni amana, akkasumas Rabbiin uumaa isaati fi gabbaramaa isaa kan hiriyaa hin qabne ta'uu fi innis akka dandeettii isaatin Isatti amanuu fi Isa tole jechuu irraa waan Rabbii ol ta'eef waadaa gale irra akka jiru ni amana; sababni isaas gabrichi hanga fedhe yoo Rabbiin gabbareeyyuu hunda waan Rabbiin isa itti ajajee fi qananii irratti Rabbiin galateeffachuu irraa waan dirqama ta'e raawwachuu waan hin dandeenyef jecha, akkasumas inni gara Rabbitti hirkatee, Isa irraa tika akka barbaadu amanuudha qaba; sababni isaas Inni dhugumatti sharrii gabrichi hojjate irraa kan itti maganfatamu waan ta'eef jecha, Akkasumas gabrichi qananii Rabbiin isaaf godhe beekee, badii fi yakka isaatin gara

ofitti deebi'uudha qaba,

Rabbitti waywaatuu kana booda, irra darbuu Isaati fi tola Isaatin akkasumas rahmata Isaatin badiiwwan isaa akka Rabbiin isaaf dhoksee rakkinoota isii irraa isa tiksu Rabbii isaa kadhata; sababni isaas Rabbii ol ta'e malee kan badiiwwan namaaf dhiisu waan hin jirreef jecha. Ergasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- zikriin kun zikrii ganamaa fi galgalaa keessaa tokko ta'uu isaa himan, namni mirkaneeffatee isa jedhe, hiika isaas of dura qabee itti amanee jalqaba guyyaa isaa irratti, inni yeroo bahiisa aduuti fi jallatiinsa isii giddutti jiruudha, kunis yeroo guyyaati, eegasii du'ee jannata ni seena, Namni halkan keessatti isa jedhee, aduun lixxee hanga bari'utti, eegasii osoo hin bari'in du'e, Jannata ni seena.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Akkaataan istighfaara itti godhan kan wal dhabu yoo ta'u, gariin isaa garii irra kan caalu ta'uudha.
2. Gabrichi kadhannaa kanaan Rabbiin kadhachuun futunuu qaba; Sababni isaas inni gooftaa Rabbiin irraa dhiifama barbaaduu waan ta'eef.

(5503)

(275) – عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: أَنَّهُ كَانَ يَقُولُ إِذَا أَصْبَحَ: «اللَّهُمَّ بِكَ أَصْبَحْنَا، وَبِكَ أَمْسَيْنَا، وَبِكَ نَحْيَا، وَبِكَ نَمُوتُ، وَإِلَيْكَ النُّشُورُ» وَإِذَا أَمْسَى قَالَ: «بِكَ أَمْسَيْنَا، وَبِكَ أَصْبَحْنَا، وَبِكَ نَحْيَا، وَبِكَ نَمُوتُ، وَإِلَيْكَ النُّشُورُ» قَالَ: وَمَرَّةً أُخْرَى: «وَإِلَيْكَ الْمَصِيرُ». [حسن] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي في الكبرى وابن ماجه]

(275) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu-: Ganama Ganama akkas jedhan ture: «Yaa Rabbi siin bariisifanne, siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina» yeroo galgalaa immoo akkana jedhan: «Yaa Rabbi siin galgaleefanne, siin bariisifanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina» yeroo tokko immoo akkas jedhan: «Deebin garuma keeti». [hasani] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Nasaa'iin kubraa keessattii fi Ibnu Maajaatu gabaasan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo jalqaba guyyaa isaanif bari'e akkana kan jedhan ta'an:

(Yaa Rabbi siin bariisifanne) eegumsa kee keessa jiraataa, qananii kee keessatti cuuphamaa, zikrii kee irratti bobba’aa, maqaa keetin gargaarsifataa, towfiiqa keetiin hammatamaa, malaa fi humna keetiin sochoo’aa, (siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna) galgala jedhamuu waliin akkuma jechota armaan duraa fakkaata, ni jedhan: siin galgaleeffanne, maqaa kee isa jiraachisaa ta'een jiraanna, maqaa kee isa ajjeesaa ta'een immoo ni duuna, (garuma kee deebina) Du’a booda ka’uu, walitti qabamuu booda addaan bahuu,, haalli keenya yeroo hundumaa haala kanaan itti fufa, haalota hafan gonkumaa irraa hin fagaadhus hin dhiisus.

Yeroo galgala ga’anis asrii booda irraa kaasanii akkana jedhan: (Yaa Rabbi siin galgaleefanne, siin bariisifanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina) Deebi'uun addunyaa tana keessatti, gara dhumaatti deebi'uunis, simatu na jiraachisa, simatu na ajjeesa.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hidhachuuf jecha du'aa'ii kana ganamaa fi galgala jechuun jaalatamaa ta'uudha.
2. Gabrichi haalaa fi yeroo isaa hunda keessatti Gooftaa isaa Rabbitti haajamaa ta'uudha.
3. Zikriiwwan qara'uu keessatti caalaan, ganama jalqaba guyyaa keessatti barii irraa kaasee hanga aduun baatutti, Asrii booda irraa kaasee hanga osoo aduun hin lixin duraati, ganama erga bari'ee booda yoo jedhe ni danda'a. yoo zuhrii booda jedhes ni danda'a, yoo salaata magribaa booda jedhes ni danda'a, suni yeroo zikriiti.
4. Yeroo ganamaa "Wa ileykannushuur" jechuun, kun yeroo namoonni du'anii guyyaa qiyaamaa kaafaman isa yaadachiisa, kun du’aa ka’uu haaraa dha, guyyaa haaraa lubbuun isa keessatti namatti deebitu, kan namoonni isa keessatti faffaca'an, ganamni haaraan Rabbiin isa uume kun hafuura baafata, Ilma Aadam irratti ragaa ta’uuf, yeroo fi waqtiin isaa hojii keenyaaf kuusaa ta’a.
5. Yeroo galgalaa "Wa ileykal masiir" jechuun, yeroo namoonni hojiilee isaanitii fi jiruu jireenya isaanitiif faffaca'iinsa isaanii irraa deebi'ani, gara manneen isaanii deebi'ani, erga gar gar bahanii booda gara boqonnaatti deebi'ani, kun gara Rabbii ol ta'ee guyyaa qiyaamaa deebi'uu yaadachiisa.

(5490)

(276) – عَنْ أَبَانَ بْنِ عُثْمَانَ قَالَ: سَمِعْتُ عُثْمَانَ بْنَ عَفَّانَ رضي الله عنه يَقُولُ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَنْ قَالَ بِسْمِ اللَّهِ الَّذِي لَا يَضُرُّ مَعَ اسْمِهِ شَيْءٌ، فِي الْأَرْضِ، وَلَا فِي السَّمَاءِ، وَهُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ، ثَلَاثَ مَرَّاتٍ، لَمْ تُصِبْهُ فَجْأَةُ بَلَاءٍ، حَتَّى يُصْبِحَ، وَمَنْ قَالَهَا حِينَ يُصْبِحُ ثَلَاثُ مَرَّاتٍ، لَمْ تُصِبْهُ فَجْأَةُ بَلَاءٍ حَتَّى يُمْسِيَ»، قَالَ: فَأَصَابَ أَبَانَ بْنَ عُثْمَانَ الْفَالِجُ، فَجَعَلَ الرَّجُلُ الَّذِي سَمِعَ مِنْهُ الْحَدِيثَ يَنْظُرُ إِلَيْهِ، فَقَالَ لَهُ: مَا لَكَ تَنْظُرُ إِلَيَّ؟ فَوَاللَّهِ مَا كَذَبْتُ عَلَى عُثْمَانَ، وَلَا كَذَبَ عُثْمَانُ عَلَى النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، وَلَكِنَّ الْيَوْمَ الَّذِي أَصَابَنِي فِيهِ مَا أَصَابَنِي غَضِبْتُ فَنَسِيتُ أَنْ أَقُولَهَا.

[صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي وابن ماجه والنسائي في الكبرى وأحمد]

(276) – Abaan bin Usmaan irraa odeeffamee, ni jedhe: Usmaan bin Affaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- kan akkana jedhuun dhaga'e: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhanin dhaga'e: «Nama yeroo sadii akkana jedhe: Maqaa Rabbii kan isa waliin dachii irratti ta'ee samii keessatti wanti nama miidhu hin jirreenin tikfama, inni hedduu dhaga'aadha beekasi, yeroo sadii, hanga bariisifatutti balaan tasaa isa hin mudatu, nama ganama yeroo sadii isa jedhe immoo hanga galgaleeffatutti balaan tasaa isa hin mudatu», ni jedhe: Abaan bin Usmaan faaliji isa qabee, namichi hadiisa isa irraa dhaga'e isa ilaalee jennaan, akkana jedheen: Maaliif na ilaalta? Rabbiin kakadhee ani Usmaan irratti hin sobne, Usmaanis Nabiyyii irratti hin sobne, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, garuu har'a waan na mudateetu na mudate, sababaa sanaan aarii keessa galee isa jechuu dagadhe. [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmiizii, Ibnu Maajaa. Nasaa'iin Kubraa keessattii fi Ahmadiitu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akka ibsanitti namni guyyaa hunda ganama barii booda, galgala halkan hundaa osoo aduun hin lixin yeroo sadii akkas jedhe: (Bismillaah) hunda waan na miidhu irraa maqaa Rabbiitin gargaarsaa fi tika barbaada, (kan hin miine) maqaa isaa dubbachuu waliin (wanni tokkolleen) hanga fedhellee osoo guddatee (Dachii irratti) balaan isa irraa ol bahu (Samii irrattis) balaan gubbaa gadi bu'u, (Inni dhagahaa dha) jechoota keenya (beekaa dha) haalota keenya.

Nama galgala isa jedhe hanga ganamaatti seenutti balaan tasaa isa hin mudatu, nama ganama isa jedhe immoo hanga galgalaatti seenutti balaan tasaa isa hin mudatu.

Gabaasaa hadiisa kanaa Abaan bin Usmaan faalij isa qabee, faalij jechuun inni qaama gara tokkoo kan nama irratti laamshessuudha, namichi hadiisicha isa irraa dhagahe gara Abaan dinqisiifatee ilaaluu eegale, Abaanis akkana jedheen: " Maalif na ilaalta?! Rabbitti kakadhe ani Usmaan irratti hin sobne, Usmaanis Nabiyyii irratti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hin sobne, Garuu har'a waan Rabbiin akkan isa jedhu naaf murteesseen na mudate, Aariin natti dhufee jechoota eeraman kana jechuu dagadhe.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Zikrii kana ganamaa fi galgala gochuun ni jaalatamaadha; sababni isaas akka ilmi namaa hayyama Rabbii ol ta'eetin balaan tasaa, ykn miidhaan ykn kan kana fakkaatan isa mudatu irraa tikfamaa tahuuf jecha.
2. Jabina warri salafaa Rabbitti amanuu fi waan Ergamaan

Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isaanitti himan dhugoomsuu keessatti qabaniidha.

3. Faayidaalee zikrii ganamaa fi galgalatti daangeessuu keessaa tokko dagannoo Muslima irraa kutuu fi yeroo hunda inni gabricha Rabbii ol ta'ee ta'uu isaa akka yaadatu isa taasisuudha.
4. Hanguma amantii nama Rabbiin zakkaruu, khushuu'a qabaachuu isaa fi ikhlaasa fi yaqiinan waliin dhufuu qalbii isaatiini bu'aan zikrii galma ga'a.

(6093)

(277) – عَن عبدِ اللهِ بن خُبَيب رضي الله عنه أَنَّه قال: خَرَجْنَا فِي لَيْلَةٍ مَطِيرَةٍ وَظُلْمَةٍ شَدِيدَةٍ، نَطْلُبُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ؛ يُصَلِّي لَنَا، قَالَ: فَأَدْرَكْتُهُ، فَقَالَ: «قُلْ»، فَلَمْ أَقُلْ شَيْئًا، ثُمَّ قَالَ: «قُلْ»، فَلَمْ أَقُلْ شَيْئًا، قَالَ: «قُلْ»، فَقُلْتُ: مَا أَقُولُ؟ قَالَ: «{قُلْ هُوَ اللهُ أَحَدٌ} وَالْمُعَوِّذَتَيْنِ حِينَ تُمْسِي وَتُصْبِحُ ثَلَاثَ مَرَّاتٍ، تَكْفِيكَ مِنْ كُلِّ شَيْءٍ».

[صحيح] - [رواه أبو داود والترمذي والنسائي]

(277) – Abdullaa bin Khubayb irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Halkan roobaa fi dukkana cimaa qabu wahii keessa, Ergamaa Rabbii irra akka isaan nuun salaatan kan barbaannu haal taanen baane, nagaa fi rahmanni irra jiraatu, ni jedhe: isaan nin dhaqqabe, isaanis naan jedhani: "Jedhi", ani homaa hin jenne, eegasii ni jedhani: "Jedhi", anis homaa hin jenne, ni jedhani: "Jedhi", anis nin jedheen: Maalin jedha? ni jedhani: «{Jedhi: Inni Rabbii tokkicha} fi Mu'awwazateynii yeroo galgalaa fi ganamaa yeroo sadii, waan hundumaa irraa siif geessi". [sirrii] - [Abuu Daawuud, Tirmizii, Nasaa'iitu odeessan]

Ibsaa:

Sahaabaan guddichi Abdullaa bin Khubayb, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jechuun gabaase: Halkan rooba baay'ee fi dukkana cimaa keessa, Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akka isaan salaachisaniif barbaaduuf ba'an, isaanis isaan argatan, Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhaniin: "Jedhi", jechuunis qara'i(dubbisi) jechuudha, garuu inni homaa hin dubbisne, Nabiyyiinis, -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- irra deebi'anii dubbisi jedhaniin, Abdullahis akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii maalin dubbisa? Eegasii Nabiyyiin nagaa fi rahmatni irra haa jiraatuu, akkana jedhan: Suuraa Al-Ikhlaas {Jedhi Inni Rabbii Tokkicha} fi suuraa lamaan mu'awwizateynii{Jedhi ani Rabbii bariititti maganfadha} fi{ Jedhi ani Gooftaa namootatti maganfadha}, yeroo galgalaa fi ganamaa, yeroo sadii yoo jette, isaan hamtuu fi balaa hinda irraa si eegan.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Ganamaa fi galgala suuraa Ikhlaasi fi Mu'awwidhateynii dubbisuun jaalatamaa ta'uu fi isaanis balaa hunda irraa eegumsa akka ta'aniidha.
2. Suuraa Ikhlaasi fi Mu'awwizatenii dubbisuun sadarkaa guddaa qaba.

(6082)

(278) – عن سَمُرَة بن جندبٍ رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «أَحَبُّ الْكَلَامِ إِلَى اللهِ أَرْبَعٌ: سُبْحَانَ اللهِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ، وَلَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَاللهُ أَكْبَرُ، لَا يَضُرُّكَ بِأَيِّهِنَّ بَدَأْتَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(278) – Samuraa ilma Jundub irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Rabbiin biratti Irra jaallatamaan haasaadhaa afuri: Subhaanallaah (Allaahaan qulqullaa'e), Wal hamdu lillaah (faaruun kan Allaahaati), Wa laa ilaaha illallaah (haqaan gabbaramaan Allaaha malee hin jiru), Wallaahu akbar (Allaahaan waa hinda irra guddaadha), kamii isaanitiinuu eegaltu si hin miidhu". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbii ol ta'e biratti irra jaallatamaan haasaadhaa afur akka ta'e ibsani:

Subhaanallaah: hirdhina hnda irraa Rabbii ol ta'e qulqulleessuu jechuudha.

Wal hamdu lillaah: Isa jaallachuu fi Isa guddisuu waliin guutummaa hirdhina hin qabneen Rabbiin ibsuudha.

Wa laa ilaaha illallaah jechuun: haqaan gabbaramaan Allaaha malee hin jiru jechuuudha.

Wallaahu akbar: Allaaha waan hunda irra ol fuudhamaa, guddaa fi injifataadha jechuudha.

Sadarkaan isiitii fi mindaan isii argamuuf yeroo isii jennutti tartiibatti isii jechuutti hin haajamu.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Jechootattii kana keessaa kamiinuu eegaluun rakkina kamuu uumuu dhabuun isaa laafina shari'aa agarsiisa.

(5475)

(279) – عن أبي أيّوب رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ قَالَ: لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ وَحْدَهُ لَا شَرِيكَ لَهُ، لَهُ الْمُلْكُ وَلَهُ الْحَمْدُ وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ، عَشْرَ مِرَارٍ كَانَ كَمَنْ أَعْتَقَ أَرْبَعَةَ أَنْفُسٍ مِنْ وَلَدِ إِسْمَاعِيلَ». [صحيح] - [متفق عليه]

(279) – Abuu Ayyuub irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni yeroo kudhaniif "Laa ilaaha illallaahu Wahdahuu Laa Shariika lahuu, Lahul mulku Walahul hamdu wahuwa Alaa kulli shay'in Qadiir" jedhe ilmaan Ismaa'il irraa akka nama lubbuu afur bilisa baaseeti». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbii rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jechuu himani: «Namni Laa ilaaha illallaahu Wahdahuu Laa Shariika Lahuu, Lahul mulku, Wolahu hamdu, Wahuwa Alaa Kulli Shay'in Qadiir» (haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha malee hin jiru, mootummaan guutuunis kanuma isaa qofa, faaruun gaariinis kanuma isaa qofa, inni waan hundaa irratti danda'aadha homaa isa hin dadhabsiisu) jedhe. namni zikrii guddaa kana guyyaa keessatti yeroo kudhaniif irra deddeebi'e; mindaa akka namni gabroota afur ilmaan ismaa'il ilma ibraahiim -rahmannii fi nageenyi isaan irra haa jiraatu- irraa biliisoomse argatuutu isaaf jira jechuu himan, ilmaan ismaa'iil addatti kan dubbateef -nageenyi isa irra haa jiraatu- isaan kan biroo irra kabajamoo waan ta'eef jecha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Sadarkaa zikriin gabbaraan, aangoo guutuu, faaruu

gaggaarii fi dandeettii guutuun Rabbiin qofaa baasuu of keessatti qabatu kun qabu agarsiisa.

2. mindaa zikrii kanaa wolitti aansee yookaan adda baasee nama jedheetu argata.

(5517)

(280) – عن أبي هريرة رضي الله عنه عنِ النَّبيِّ صلى الله عليه وسلم قال: «كَلِمَتَانِ خَفِيفَتَانِ عَلَى اللِّسَانِ، ثَقِيلَتَانِ فِي الْمِيزَانِ، حَبِيبَتَانِ إِلَى الرَّحْمَنِ: سُبْحَانَ اللهِ الْعَظِيمِ، سُبْحَانَ اللهِ وَبِحَمْدِهِ». [صحيح] - [متفق عليه]

(280) – Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Jechoota lama kan arraba irratti laafoo ta'an, miizaana irratti ulfaatoo ta'an, Rahmaaniin biratti jaallatamoo ta'an: Subhaanallaahil Aziim, Subhaanallaahi wa bihamdih". [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechoota lama kan ilmi namaa rakkoo tokko malee haala kamuu keessatti isaan dubbachuu akka danda'u, mindaan isaanii immoo miizaana irratti dhugumatti guddaa akka ta'ee fi Rabbiin keenya Rahmaan kan isaan jaallatu ta'uudha himan.

Subhaanallaahil aziimii fi subhaanallaahi wa bihamdihii jechuudha, Rabbiin guddinaa fi guutummaan wassafuu fi hirdhina irraa Isa qulqulleessuu waan of keesssatti qabataniif jechaadha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Irra jabaan zikrii Rabbiin qulqulleessuu fi Isa faarsuun isa

keessatti walitti qabamuudha.

2. Bal'ina rahmata Rabbiin gabroota Isaatiif qabu ibsuudha, Inni hojii muraasa irratti mindaa guddaa namaaf deebisa.

(5507)

(281) – عن أبي هريرة رضي الله عنه أنَّ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم قال: «مَنْ قَالَ: سُبْحَانَ اللهِ وَبِحَمْدِهِ، فِي يَوْمٍ مِائَةَ مَرَّةٍ، حُطَّتْ خَطَايَاهُ وَإِنْ كَانَتْ مِثْلَ زَبَدِ الْبَحْرِ».

[صحيح] - [متفق عليه]

(281) – Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Namni Subhaanallaahi Wabihamdih, guyyaa keessa yeroo dhibba tokko jedhe, akka oomacha bahraa yoo ta'ellee badiin isaa isarraa haqamti». [sirrii] - [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni guyyaa tokko keessatti yeroo dhibba tokko «Subhaanallaahi Wabihamdih» jedhe, badiin isaa isa irraa haqamtee akka isaaf dhiifamtu himani, osoma akka oomacha adii yeroo guuboon ka'u bahra irratti ol ta'uutti yoo heddummaatellee.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Mindaan kun nama guyyaa tokko keessatti itti fufiinsaanis ta'ee yookaan adda babaasee jedheef argama.
2. Tasbiiha jechuun: inni hirdhina irraa Rabbiin qulqulleessuudha, Hamdiin(Faaruun): jaallachuu fi isa guddisuu woliin guutummaan isa ibsuudha.

3. Hadiisichaan kan itti fedhame badii xixiqqoo haquudha, badiin gurguddoon immoo tawbaan isheef dirqama.
(5516)

(282) – عن أبي مالكٍ الأشعريِّ رضي الله عنه قال: قال رسول الله صلى الله عليه وسلم: «الطُّهُورُ شَطْرُ الْإِيمَانِ، وَالْحَمْدُ لِلَّهِ تَمْلَأُ الْمِيزَانَ، وَسُبْحَانَ اللهِ وَالْحَمْدُ لِلَّهِ تَمْلَآنِ -أَوْ تَمْلَأُ- مَا بَيْنَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ، وَالصَّلَاةُ نُورٌ، وَالصَّدَقَةُ بُرْهَانٌ، وَالصَّبْرُ ضِيَاءٌ، وَالْقُرْآنُ حُجَّةٌ لَكَ أَوْ عَلَيْكَ، كُلُّ النَّاسِ يَغْدُو، فَبَايِعٌ نَفْسَهُ فَمُعْتِقُهَا أَوْ مُوبِقُهَا».

[صحيح] - [رواه مسلم]

(282) – Abuu Maalik Al-Ash'arii irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: "Qulqullummaan wolakkaa iimaanaati, Al-hamdulillaahiin (faaruun hundi kan Rabbiiti jechuun) immoo miizaana guutti, Subhaanallaah fi Wal hamdulillaahiin (Rabbiin qulqullaa'e jchuu fi faarun hundi kan Rabbiiti jechuun) immoo ni guutani -yokaan ni guuutti- gidduu samiiwwanii fi dachii. salaanni ifa akka ji'aati, sadaqaan immoo ragaadha, obsi ifa akka aduuti, qur'aanni siif ragaadha yookaan sirratti ragaadha, hundi namaatuu ganamaan bobba'uun lubbuu isaa gurgura, isii bilisoomsa yookaan isii balleessa". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- qulqullinni walkkaa iimaanaa akka ta'e himani, qulqullinna mul'ataan wuduu'aa fi dhiqannaa yoo ta'u, quluqullinni keessoo shirkii irraa qulqullaa'uudha, qulqullinni

mul'ataan immoo salaata keessatti ulaagaadha. Akkasumas jechi: "Al-hamdulillaah miizaana guuttii" inni Isa faarsuu fi sifaata guutuun Isa wossafuudha -Inni qulqullaa,e- guyyaa qiyaamaatti mazzanamuun miizaana hojiiwwanii guutti. Akkasumas jechi: "Subhaanallaah wal hamdulillaah" iinni hir'ina hunda irraa Isa qulqulleessuu fi Isa jaallachuu fi Isa guddisuu waliin guutina daangaa hin qabne kan guddina Isaatiif maluun Isa wossafuudha, isiin gidduu samiiwwanii fi dachiiti guutti. Salaanni garbichaaf qalbii isaa keessatti, fuula isaa keessatti qabrii isaa keessattii fi kaafamuu isaa keessatti ifa taatiif. "Sadaqaan ragaadha" iimaanni mu'uminaa dhugaa ta'uu isaatii fi munaafiqa isa sadaqaa dhoorgatu irraa adda ta'uu isaa irratti ragaadha, sababaa inni (munaafiqni) waan isiidhaaf beellamame hin dhugeessineef jecha. "Sabriin ifa akka aduuti" -inni dallanuu fi aaruu irraa lubbuu hidhuudha- ifa isa waliin ho'ii fi gubiinsi argamuudha, akka ifa aduutti; inni waan jabaa ta'eef lubbuutti qabsaa'uu fi waan isiin barbaaddu irraa isii hidhuu barbaada; abbaan isaa isa ibsataa qajeelaa karaa sirrii irratti itti fufaa ta'uu irraa hin deebi'u. akkasumas inni ajaja Rabbii guutuu irratti obsuu fi Isa faallessuu irraa obsuudha, akkasumas balaawwan irrattii fi duuniyaa keessatti gosoowwan rakkinaa irratti obsuudha. "Qur'aanni siif ragaadha" isa qara'uu fi itti hojjachuun, yookaan "sirrati ragaadha" itti hojjachuu dhiiisuuni yookaan isa qara'uu dhiisuuni. Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmata fi nageenya isaan irratti haa buusu- hundi namaatuu akka carraaqqatu hirriiba isaaniitii ka'anii mana isaaniitii ba'anii hojii isaanii addaa addaatiif jecha akka faca'an himani, Isaan irraa namni Rabbiif ajajamuu irratti gadi dhaabbatee lubbuu isaa ibidda irraa bilisa baaseeti jira,

akkasumas isaan irraa namni isa sana irraa jallatee badii keessa bu'ee ibidda seenuun lubbuu isaa balleessee jira.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Qulqullinni qulqullina gosa lama: qulqullina mul'ataa kan wuduu'aa fi dhiqannaan ta'uu fi qulqullina keessoo kan tawhiidaa, iimaanaa fi hojii gaariidhaan ta'uudha.
2. Barbaachisummaa salaata eeggachuun qabuudha, isiin duuniyaa fi Aakhiraatti gabrichaaf ifa taati.
3. Sadaqaan iimaanni dhugaa ta'uu irratti ragaadha.
4. Barbaachisummaa qur'aanatti hojjachuu fi isa dhugeessuun qabuudha, akka ragaa sirratti ta'uu osoo hin taanee akka ragaa siif ta'uuf jecha.
5. Lubbuun Rabbiif ajajamuudhaan yoo isii hi muddine badiidhaan si mudditi.
6. Namni hunduu hojjachuun dirqama; lubbuu isaa Rabbiif ajajamuun bilisoomsa, yookaan immoo badiidhaan isii balleessa.
7. Obsi rakkinni isa keessa waan jiruuf danda'uu fi herregachuu barbaada.

(65004)

(283) – عن جابر رضي الله عنه قال: سمعتُ رسولَ الله صلى الله عليه وسلم يقول: «أَفْضَلُ الذِّكْرِ: لَا إِلَهَ إِلَّا اللهُ، وَأَفْضَلُ الدُّعَاءِ: الْحَمْدُ لِلَّهِ». [حسن] - [رواه الترمذي والنسائي في الكبرى وابن ماجه]

(283) – Jaabir irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Irra caalaan

zikriidhaa: "Laa ilaaha illallaah" jechuudha, irra caalaan kadhaadhaa immoo: "Alhamdulillaah" jechuudha". [Hasani] - [Tirmizii, Nasaa'iin kubraa keessattii ti Ibnu Maajaatu odeessan]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumaan irra caalaan zikrii "Laa ilaaha illallaah" akka ta'e himan, hiikni isiis haqaan gabbaramaan Allaaha malee hin jiru jechuudha, akkasumas dhugumaan irra caaalaan kadhaa "Alhamdulillaah" jechuu akka ta'e himan; isiinis qananiisaan Rabbuma -qulqullaa'e- kan sifa guutuu bareedaa haqa godhate jedhanii amanuudha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Jecha tawhiidaatiin Zikrii Rabbii gochuu fi Alhamdulillaah dhaan kadhachuu heddummeessuutti kakaasuudha.

(3567)

(284) – عن خَوْلَةَ بِنْتَ حَكِيمٍ السُّلَمِيَّةَ قَالتْ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَنْ نَزَلَ مَنْزِلًا ثُمَّ قَالَ: أَعُوذُ بِكَلِمَاتِ اللهِ التَّامَّاتِ مِنْ شَرِّ مَا خَلَقَ، لَمْ يَضُرَّهُ شَيْءٌ حَتَّى يَرْتَحِلَ مِنْ مَنْزِلِهِ ذَلِكَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(284) – Khawlaa bintu Hakiim Assulaymiyyaa irraa akka odeeffametti ni jetti: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Namni bakka tokko qubatee eegasii, A'uuzu bikalimaatillaahittaammaati Min sharri Maa Khalaq jedhe, qubsuma isaa sana irraa hanga imalutti homaa isa hin miidhu». [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ummata iisaanii gara tikfamuu fi gara isaa deebi'uu bu'a qabeessa ta'e kan isaan yeroo namni dachii irraa bakka wohii qubatetti wanti ilmi namaa sodaatu hundi sababaa isaatiin nama irraa deebi'uutti qajeelchani, imala irratti ta'us yookaan boqonnaaf ta'us yookaan waan biraatiifis ta'u: sadarkaa isaa, barakaa isaatii fi bu'aa isaatiin jechoota Rabbii guutuu ta'ee fi hirdhina hunda irraa bilisa kan ta'een tikfamuu fi gara isaa deebi'uun, hamtuu uumama hunda hamtuun isa keessa jiru irraa, qubsuma isaa sana keessatti hanga bakka san jiraatetti nageenya aragata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Maganfannaan ibaadaadha, inni isa Rabbiin yookaan maqoolee isaatii fi sifoota isaatiin ta'eedha.
2. jecha Rabbiitiin maganfachuun eeyyamamaa ta'uu isaa, sifaata Rabbii irraa waan ta'eef jecha, faallaa uumama kamiinuu maganfachuuti, inni immoo shirkiidha.
3. sadarkaa fi barakaa du'aa'iin kun qabuudha.
4. zikriidhaan eegamuun sababaa gabrichi hamtuu irraa ittiin tikfamuudha.
5. waan Rabbiin malee jiru, jinnii, falfaltoota, kijibdootaa fi kanneen birootiin maganfachuu balleessuutu keessa jira.
6. bakk jireenyaa yookaan imalatti nama bakka wohii qubateef du'aa'iin kun karaa godhamuu isaa.

(5932)

(285) – عَنْ أَبِي حُمَيْدٍ أَوْ عَنْ أَبِي أُسَيْدٍ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «إِذَا دَخَلَ أَحَدُكُمُ الْمَسْجِدَ فَلْيَقُلِ: اللَّهُمَّ افْتَحْ لِي أَبْوَابَ رَحْمَتِكَ، وَإِذَا خَرَجَ فَلْيَقُلِ: اللَّهُمَّ إِنِّي أَسْأَلُكَ مِنْ فَضْلِكَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(285) – Abuu Humeyd ykn Abuu Useyd irraa odeeffamee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Isin keessaa namni tokko masjiida yoo seene akkana haa jedhu: (Allaahumma iftah lii abwaaba rahmatik) jechuunis: Yaa Rabbi balbala rahmata keetii naaf bani jechuudha, yeroo bahu immoo akkana haa jedhu: (Allaaumma innii as'aluka min fadlik) jechuunis: Yaa Rabbi tola kee irraa si kadhadha jechuudha". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- yeroo masjida seenan ummata isaanii waan jedhamuu qabutti qajeelchan: (Allaahumma iftah lii abwaaba rahmstik), Rabbiin sababoota rahmata Isaa akka isaaf mijeessu ni kadhata. yeroo bahu ammoo haa jedhuu: (Allaahumma innii as'aluka min fadlik), tolaa fi arjummaa Isaa irraa dabalataa rizqii halaal Rabbiin ni kadhata.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Yeroo masjiida seenanii fi bahan du'aa'ii kana jechuun akka jaalatamuudha.
2. Yeroo seensaa rahmanni wanni dubbatamee, yeroo bahan ammoo tolli wanni dubbatameef: Namichi seenu waan gara Rabbiiti fi jannata Isatti isa dhiheessu irratti waan bobba'uuf jecha, kanaaf rahmata dubbachuun sirrii ta'e,

yeroo ba'e ammoo dachii keessa deemuun rizqii Rabbii barbaada, kanaaf tola dubbachuun sirrii ta'e.

3. Du'aa'in kun yeroo masjiida seenuu fedhanii fi yeroo masjiida irraa bahuu fedhan jedhama.

(65092)

(286) – عَنْ جَابِرِ بْنِ عَبْدِ اللهِ رضي الله عنهما أَنَّهُ سَمِعَ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «إِذَا دَخَلَ الرَّجُلُ بَيْتَهُ، فَذَكَرَ اللهَ عِنْدَ دُخُولِهِ وَعِنْدَ طَعَامِهِ، قَالَ الشَّيْطَانُ: لَا مَبِيتَ لَكُمْ، وَلَا عَشَاءَ، وَإِذَا دَخَلَ، فَلَمْ يَذْكُرِ اللهَ عِنْدَ دُخُولِهِ، قَالَ الشَّيْطَانُ: أَدْرَكْتُمُ الْمَبِيتَ، وَإِذَا لَمْ يَذْكُرِ اللهَ عِنْدَ طَعَامِهِ، قَالَ: أَدْرَكْتُمُ الْمَبِيتَ وَالْعَشَاءَ». [صحيح] - [رواه مسلم]

(286) – Jaabir bin Abdullaa irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiidhaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: “Namni tokko yeroo mana isaa seenee, yeroo seenuttii fi bakka nyaatatti yoo Rabbiin zakkare sheyxaanni akkana jedha: Bakka bultiis irbaatas hin qabdan, Yeroo mana seenee yeroo seenu sanatti Rabbiin yoo hin zakkarin sheyxaanni ni jedha: bakka bultii qaqqabattan, akkasumas bakka nyaatatti yoo Rabbiin hin zakkarin sheyxaanni ni jedha: bakka bultiitii fi irbaatas qaqqabattan". [sirrii] - [Muslimtu gabaase]

Ibsaa:

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo mana seenanii fi yeroo nyaata nyaatan Rabbiin zakkaruu irratti kakaasan, namichi yeroo mana isaa seenuttii fi yeroo nyaatutti akkana jechuun Rabbin zakkaree: (Bismillaah) sheyxaanni deeggartoota isaatin akkas jedha: Mana abbaan isaa isin irraa Rabbii ol ta'e zakkaruun tikfame kana keessatti carraa

bultiitii fi irbaataa hin qabdan. Namichi yeroo mana ofii seenee yeroo seenuuttii fi yeroo nyaatutti yoo Rabbiin zakkaruu baate sheyxaanni mana kana keessatti iddoo bultiitii fi irbaata qaqqabattaniirtu deeggartoota isaatin jedha.

Bu'aalee hadiisichaa irraa:

1. Yeroo mana seenanii fi yeroo nyaata nyaachuu ka'an Rabbiin zakkaruun barbaachisaa ta'uudha, sheyxaanni manneen keessa ni bula, nyaata warra manneen sanaatis ni nyaata isaan maqaa Rabbii ol ta'ee yoo hin yaadatin.
2. Sheyxaanni ilma Aadam hojii isaa, sochii isaa keessattii fi dhimmoota isaa hunda keessatti ni hordofa, yeroo inni zikrii irraa laafe waan barbaade isa irraa ni argata.
3. Zikriin sheyxaana ni ari'a.
4. Sheyxaana hundaaf jala deemtotaa fi jaalalleewwan jecha isatti gammadanii fi ajaja isaa hordofantu jiru.

(3037)

Table of Contents

Duree 2

hojiin kamuu kan madaalamu niyyaadhaani, hunda namaatiifuu woma niyyate qofatu isaaf jira.....4

“Amantii keenya kana keessatti waan isa keessa hin jirre namni argamsiise inni isuma irratti deebimaadha.....5

islaama jechuun Allaaha malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Muhammad immoo ergamaa Allaahaati jettee ragaa ba'uudha, salaata dhaabuudha, zakaa kennachuudha, ramadaana soomuudha, yoo karaa dandeesse mana Rabbii hajja'uudha.....7

“Islaamummaan waan shan irratti ijaarame.....12

Haqni Rabbii kan gabroota Isaa irra jiru Isa gabbaruu fi homaa Isatti qindeessuu dhabuudha, haqni gabroonni Rabbirraa qaban immoo nama Isatti homaa hin qindeessine azzabuu dhabuudha.....14

Namni haala homaa Rabbiitti hin qindeessineen du'e jannata seene, namni haala waa tookko Rabbitti qindeessuun du'e immoo ibidda seene 16

Namni Rabbiin alatti waan biroo Rabbiif hiryaa godhee osoo kadhatuu du'e ibidda seena 17

ati ummata wohii kan worra kitaaba kennaman irraa ta'anitti dhufta, yeroo isaan bira dhuftetti haqaan gabbaramaan Allaaha malee akka hin jirreee fi dhugumatti Muhammad ergamaa Allaahaa akka ta'e gara Ragaa ba'utti isaan waami.....18

guyyaa qiyaamaa magantaa kootiin irra milkaa'aan namaa, nama onnee isaa irraa, yookaan lubbuu isaa irraa qulqulleessee "Laa ilaaha illallaah" jedhe".....21

Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedheetiin gaafadhe: Rabbiin biratti dilii kamitu irra guddaadha? isaanis akkana jedhan: “Osoo inni si uumee jiruu, Rabbiif fakkaataa gochuudha.....22

"Ani shirkii irraa irra dureessa (sooressa) shariikotaati, namni hojii tokko hojjatee isa keessatti Ana waliin waan biraa qindeesse, isaa fi shirkii isaa nin dhiisa 24

Hundi ummata kootii jannata ni seenu nama dide malee 25

"Akka nasaaraan ilma Maryam faarsuu keessatti daangaa dabartetti yeroo na faarsitan daangaa hin darbinaa, ani garbicha Rabbii qofa: kanaafuu garbicha Rabbii fi ergamaa Isaati jedhaa 27

Tokkoon keessan hin amanu hanga ani abbaa isaa, ilma isaa fi namoota hunda irra isa biratti irra jaallatamaa ta'utti.....28

Hanga ani isin dhiisetti na dhiisaa, warra isin dura darban wanti balleesse, gaaffii isaanii fi Anbiyoota isaanii irratti wal dhabuu isaaniti.....29

Aayaa tokkollee taatu ana irraa geessaa, banii israa'iil irraas odeessaa badii hin qabuutii, namni beekaa ana irratti sobe ibidda keessatti teessuma isaa haa mijjeeffatu 32

Dhaga'aa! nama wohii osoo inni siree isaa irra hirkatee jiruu hadiisni ana irraa isaa qaqqabee jennaan, akkas jedha: gidduu keenyaa fi gidduu keessanitti kitabni Rabbii jira 34

Abaarsi Rabbii Yahuudootaa fi Kiristaanota irratti haa ta’u, qabrii nabiyyoota isaanii bakka itti salaatan godhatan.....35

Yaa Rabbi qabrii koo taabota hin taasisin.....37

"Manneen keessan qabrii hin taasisinaa, akkasuma qabrii koos iida hin taasifatinaa (kan itti deddeebi'amee ayyaaneffatamu), salawaata narratti buusaa; salawaanni keessan bakkuma jirtanu irraa na qaqqabaa".....38

Isaan sun ummata yeroo gabricha gaariin, yookaan namni gaariin isaan gidduutti du’e qabrii isaa irratti masjiida ijaaranii, suuraalee sana isa keessa kaayan.....40

ani gara Rabbiittan of qulqulleessa isin irraa jaalalleen anaaf ta'uu irraa, dhugumatti Rabbiin ol ta'e jaalallee na taasifatee jira, akkuma ibraahimiin jaalallee taasifatetti.....42

waan ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ittiin na ergeen si erguu? siidaa kamuu isa dhabamsiiftu malee

akka isa hin dhiifne, qabrii ol ka'ee mul'atu kamuu wol qixxeessitu malee akka hin dhiifne.....44

Faana ilaallachuun (hoodannaan) shirkiidha, Faana ilaallachuun shirkiidha, Faana ilaallachuun shirkiidha, -yeroo sadii akkas jedhan- ", Nurraa namni tokkolleen kan wanti sun qalbii isaa keessatti hin argamin hin jiru, garuu Rabbiin guddate tawakkulaan sana nurraa adeemsisa.....45

Namni milkii ilaallate yookaan ilaalchifate, yookaan raage yookaan raagameef, yookaan falfale yookaan falfalameef nurraayyii miti ...47

“Dhukkubni eeyyama Rabbitiin malee ofiin hin darbu, hooddannaan hin jiru, fa’alii (jecha gaarii) immoo nan jaalladha” (Sahaabonnis) fa’aliin maali jedhanii gaafatan? isaanis ni jedhani: “fa’alin jecha gaarii isin dhageessanu” 49

Waan Rabbiin keessan jedhe ni beektuu?", namootnis ni jedhan: Rabbumaa fi ergamaa Isaa qofaatu beeka, ergamaanis ni jedhan: "gabroottan koo irraa gariin anatti amanee gariin immoo anatti kafaree bule.....50

“Namni qaxxasa/asmaa rarraafate shirkii raawwateera” 52

Ruqaa, hirzii fi jaallachiistuun shirkiidha.....54

Namni waa himaa bira dhufee waan tokko irraa isa gaafate, salaanni halkan afurtamaa isaaf hin qeebalamu.....56

Namni waan Rabbiin malee jiruun kakate dhugumatti kafare, yookaan Rabbitti waan biraa qindeesse" 57

ani Rabbiinan kakadha -yoo Rabbi jedhe- ani waan wohii irratti kakadhee, wanti biraa irra caalaa ta'uun yoo natti mul'ate, kakaa koo irraa kaffaaraa baasee, isa irraa caalaa ta'e raawwadhu malee hin dhiisu 58

Waan Rabbii fi ebalu fedhe hin jedhinaa, garuu akkana jedhaa: Waan Rabbiin fedhe, eegasii waan ebalu fedhe.....61

Dhugumatti wanti ani isiniif baay’ee sodaadhu shirkii xixiqqoodha" Isaanis ni jedhan: Yaa Ergamaa Rabbii shirkii xiqqaan maali? Isaanis ni jedhan: “na argiidha.....62

Namoota keessatti wanti lama kufrii dha: hidda dhalootaa arrabsuu fi warra du’an irratti iyyanii boo’uu.....64

Malaa'ikonni imala sareen fi bilbilli keessa jiru waliin hin deeman 65

Shayxaanni tokkoo keessanitti dhufuun akkas jedha: kana eenyutu uume? kanas enyutu uume? hanga Rabbii kee eenyutu uume? jedhutti itti fufa, yeroo bakka gaaffii kanaa ga'etti Rabbitti maganfatee waan sana irraa haa dhaabbatu.....66

Nama jaalallee kootin diinummaa qabu, ani dhugumatti lola isa beeksiseera, Garbichi koo wanta ani isa irratti dirqama godhe hojjachuu caalaa waa tokkoon Natti hin dhihaanne.....67

Rabbiin sodaadhaa, (namni isinirratti moohe) gabricha habashallee osoo tahee dhagayuu fi ajajamuufii qabdan, Ana boodaa waldhabdee jabaadha arguuf teessanii, Sunnaa kiyyaa fi Sunnaa Khaliifota kiyya kan qaleeloo qajeelfamoo ta'anii qabadhaa.....70

Namni ajajamuu dhiisee jamaa'aa muslimtootaa irraa adda bahee du’e, du’a wallaalummaa du’a.....72

Gabrichi kamuu kan Rabbiin ummata akka hoogganu isa godhee, guyyaa du'u haala ummata isaa ganeen yoo kan du'u ta;e, Rabbiin jannata haraama isa irratti taasisu malee hin hafu 74

“Mootonni ni argamu, isinis hojii isaan irraa waan beektanii jaallattanii fi waan mormitan qabdu, Kanaafuu namni beeke bilisa baha, namni morme immoo nagaa ta’a, namni jaallatee isaan duuka bu'e ni bada.....76

Haqa walii galaatiin of jaallachuu fi wantoonni hedduun isin isii mormitan ta'uuf taa'an" Sahaabonnis akkana jedhanii gaafatan: Yaa Ergamaa Rabbii yeroo sana maalitti nu ajajju? isaanis ni jedhan: "Haqa isin irra jiru raawwataniiti haqa keessan Rabbiin kadhattan.77

Tokkoon tokkoon keessan tiksee waan taataniif, waan tiksitan san irraa itti gaafatamummaa qabdan,.....79

Yaa Rabbi nama dhimma ummata kootii irraa waan tokko irratti muudamee isaan rakkise ati isa rakkisi, nama dhimma ummata kootii irraa waan tokko irratti muudamee isaanitti laaffise ati isatti laaffisi 81

Amantaa jechuun gaarii yaaduudha.....82

yeroo worra isa irraa waan wol fakkaate hordofu agarte isaani worri Rabbiin jedhe, isaan irraa of eeggadhaa 84

Isin irraa namni badii wohii arge harka isaatiin haa jijjiiru, kana yoo hin dandeenye arraba isaatiin, kanas yoo hin dandeenye immoo qalbii isaatiin, sun garuu irra dadhabaa iimaanaati.....88

Fakkeenyi nama daangaa Rabbii irra dhaabbatuu fi nama daangaa sana keessatti argamuu, akka fakkeenya ummata doonii irratti hixaa buufatanii, gariin isaanii gubbaa doonii argatanii, gariin immoo jala ishee argataniiti.....90

Namni qajeellumaatti nama waame mindaa akka mindaa warra isa duuka bu'eeti argata, sun mindaa isaanii irraa homaa hin hirdhisu.92

nama toltuutti qajeelcheef fakkaataa mindaa nama isa hojjateetu isaaf jira.....93

Rabbiin kakadhee gaala diimaa qabaachuu irra nama tokko Rabbiin sababaa keetin qajeelchuutu siif caala 95

Namni ummata wohiitti fakkaate inni isaan irraayi.....98

Namtichi amantii hiriyaa isaa irratti tahaa, tokkoon keessan nama hiriyaa taasifatu haa ilaalu 99

Wallaahi Amantiin kun bakka halkanii fi guyyaan gahu ni gaha. Rabbiin mana dhoqqees ta'e mana suufii Amantii kana osoo isa hin galchin hin dhiisu.....100

Isa lubbuun Muhammad harka Isaa jirtuunan kakadha, namni tokko ummatattii kana irraa yahuudaas ta'ee kiristaanas waan koo dhaga'ee, ergasii waan ani ittiin ergametti osoo hin amanin kan du'u yoo ta'e worra ibiddaa irraa ta'u malee hin hafu.....102

"Yaa ormana! amantii keessatti daangaa dabruu irraa fagaadhaa, baraa dhugumatti warri isin dura turan wanni balleesse amantii keessatti daangaa dabruudha 104

"finxaaleyyoonni badan(worra daangaa darban, akka barbaachisuun alatti waa jajjabeessan) 105

Yahuudoonni dheekkamsa Rabbii jala galanii jiru, Kiristaanonni immoo jallatoodha 107

Rabbiin samiiwwanii fi dachii osoo hin uumiin woggaa kuma shantamaan duratti murtoowwan uumamtootaa barreessee jira 108

ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan dhugaa dubbataa dhugeeffamaa kan ta'an akkas jechuun nuuf odeessan: «uumamni tokkoo keessanii garaa haadha isaa keessatti guyyaa afurtamaa fi halkan afurtamaaf wolitti qabama..109

"Jannanni gara tokkoon kessaniitti Haada kophee keessanii irra dhihaatti, ibiddis akkasuma" 111

Ibiddi fedhiiwwaniin haguugamte, jannanni immoo waan jibbamaan haguugamte..... 112

Rabbiin jannataa fi ibidda yeroo uumetti Jibriiliin -nagaan isarra haa jiraatu 113

Ibiddi keessan ibidda jahannam qooda torbaatama irraa qooda tokkicha 116

Rabbiin lafa qabee, harka mirga Isaatiin samii walitti maree, eegasii akkana jedha: Ani mooticha, mootonni lafaa eessa jiru?” 117

Guyyaa Qiyaamaa Rabbiin biratti warri irra cimaa adabbii adabaman warra uumama Rabbii wajjiin wal fakkeessani 118

Isa lubbuun koo harka Isaa keessa jirtuun kakadhee, ilmi Maryam (Iisaan) haala daanyaa murtii haqaan murteessu ta'een isin keessatti bu'uun isaa ni dhihaata, yeroo sanatti fannoo kiristaanaa ni cabsa, karkarroo ni ajjeesa, gibira ni murteessa, horiinis hanga namni tokko kan isa qeebalu hin jiraannetti gad dhangal'a 120

laa ilaaha illallaah jedhi, guyyaa qiyaamaatti isiidhanin ragaa siif ba'aatii..... 121

Hawdiin koo(guddinni isaa) adeemsa ji'aati, bishaan isaa aannan irra adiidha, fooliin isaa miskii irra gaariidha 123

Hoolaa buburree fakkeeffamee duuti qabamee fidama 124

Osoo isin hirkannaa dhugaa Rabbirratti hirkattanii, akka allaattii razzaqutti silaa isiniis razzaqa ture, ganama garaa duwwaa bobbaatee galgala garaa guuttattee deebiti 126

Namni yaabbate nama miilan lafa deemuun salaamataa jechuudha qaba, namni lafa deemu immoo nama taa’uun salaamataa jechuudha

qaba, namoonni muraasnis namoota baay'een salaamataa jechuudha qaban.....128

Yaa gabroottan koo ani lubbuu koo irratti miidhaa haraama taasiseen jira, akkasumas gidduu keessanittis haraama taasiseen jira, wal hin miidhinaa 129

“Guyyaa Qiyaamaa miidhaan dukkana waan ta’uuf, miidhaa irraa of eeggadhaa, doqnyummaa bololaan waliinii irraas of eeggadhaa, baraa doqnyummaa bololaan waliinitu warra isin dura turan balleesse, .133

Rabbiin warra nama miidhuuf yeroo qabaaf, yeroo isa qabetti immoo gad isa hin dhiisu 134

dhugumatti Rabbiin toltuu fi badduus barreessee, eegasii sanas if galchee jira, namni toltuu tokko yadee osoo isii hin hojjatin hafe Rabbiin toltuu guutuu godhee of biratti isaaf barreessa, yoo isii yaadee isii hojjate immoo of biratti toltuu kudhanii hanga dachaa dhibba torbaatti hanga dachaawwan hedduutti isaaf barreessa, namni badii tokko yaadee osoo isii hin hojjatin hafe Rabbiin guutuu godhee of biratti isaaf barreessa, yoo isii yaadee isii hojjate immoo Rabbiin badii tokko qofa isa irratti barreessa.....135

Islaamummaa keessatti namni tolche waan jaahiliyyummaa keessatti hojjateen hin qabamu, islaamummaa keessatti namni balleesse immoo isa duraa fi isa boodaatiifis ni qabama 137

Dhugumatti Inni ati jettuu fi itti waamtu kun gaariidha, Waan hojjenne kanaaf araarri jiraachuu osoo nutti himtee.....138

toltuu darbee waliin islaamummaa fudhatte 140

Rabbiin toltuu tokkollee mu'umina hin miidhu, duuniyaatti isiidhaan kennama, aakhiratti immoo isiidhaan mindeeffama 141

Garbichi tokko badii wohii balleessee ka'ee akkas jedhe: yaa Rabbi badii koo naaf dhiisi 142

Namni tokko dilii hojjetee, eegasii ka’ee wuduu'a hin godhatee, eegasii Rabbiin irraa araaama hin barbaadee jennaan, Rabbiin isaaf araaramu malee hin hafu.....145

Rabbiin ol tahe namni guyyaa dilii dalage akka tawbatuuf harka isaa halkan diriirsa, namni halkan dilii dalage akka tawbatuuf guyyaa harka diriirsa, Hanga aduun dhihaa irraa baatutti 146

Halalli ifa galaadha, haraamnis ifa galaadha 148

Yaa gurbaa!, ani jechootawwanin si barsiisa, Rabbiin tiksi Inni si tiksaatii, Rabbiin tiksi fuuldura keetti Isa argattaatii, yeroo kadhatte Rabbiin kadhadhu, yeroo gargaarsifattes Rabbiin gargaarsifadhu. 150

Islaamummaa keessatti jecha tokko kan si malee nama biraa hin gaafanne naan jedhi, isaanis ni jedhan: “Ani Rabbitti amane jedhii eegasii irratti gadi dhaabbadhu 152

Fakkeenyi mu'umintootaa wal jaallachuu, rahmata waliif gochuu fi garaa waliif laafuu isaanii keessatti akka qaama tokkooti, humna tokko isa irraa yoo dhibame qaamni guutuun hirriiba dhabuu fi leydaa'uudhaan isaan waliin dhibama..... 153

Bishaan isaa qulqulluudha, du'aan isaas halaala..... 154

Bishaan hubboo /gaawwaa lama yoo ga'e najisa/xurii hin baatu (hin Najisaahu)..... 156

Yeroo eddoo fincaanii dhuftan Qiblatti fuulaan gara hin galinaa, duubanis gara itti hin galinaa, garuu gara bahatti ykn gara dhihaatti gara galaa..... 157

Tokkoon keessan osoo fincaa'aa jiruu qaama saalaa isaa harka mirgaatiin hin qabatin, harka isaa mirgaatiin qaama saalaa isaa hin haxaa’in, meeshaa dhugaatii keessattis hafuura hin baafatin..... 158

Tokkoon keessan yeroo hirriiba isaa irraa ka'e, sheexaanni funyaan isaa keessa waan buluuf, funyaan isaa yeroo sadii bishaan itti ol fudhatee gadi haa deeffatu 159

“Rabbiin salaata tokkoo keessanii hin qeebalu, yeroo inni wuduu’a cabse hanga wadda'atuutti 160

Namichi tokko wuduu’a raawwatee bakka hanga kottee geessu wahii miila isaa irratti dhiise, Nabiyyiin nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, isa arganii akkana jedhaniin: “Deebi’ii wuduu’a kee akka gaariitti raawwadhu” namichis deebi’ee wuduu'a godhatee, eegasii salaate 162

Koomeewwaniif ibidda irraa adabbiin mirkanaa'e, wuduu'a guutaa godhaa.....163

Nabiyyiin -nagaa fi rahamatni irra haa jiraatu- salaata hunda irratti wuduu'a godhachaa turan.....165

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- yeroo tokko tokko wuduu'a godhatan.....166

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo lama lama wuduu'a godhatan.....167

Namni akka wuduu'a kiyyaa kana godhatee eegasii osoo ofitti hin dubbatin raka'aa lama salaate Rabbiin dilii isaa irraa kan dabre isaaf ni araarama 168

Tokkoon keessan yeroo wuduu'a godhatu bishaan funyaan isaa keessa ol galchee eegasii haa baasu, Namni bakka istinjatti dhagaa ykn waan isa fakkatu fayyadame witrii (qarii) haa godhuu 171

Isaan lamaan kun adabamaaru, adabamuun isaanii waan guddaafii miti, tokkoon isaanii fincaan kan ofirraa hin qulqulleessine ta'e, inni kuun immoo gidduu namootatti kan namiimaan (walitti mufannaa namoota giddutti argamsiisuuf jecha haasaa tokko irraa gara kaanii geessuun) deemu ta'e 172

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo mana fincaanii seenan akkana jedhu ture: "Yaa Rabbi ani sheyxaana dhiirotaati sheyxaana dubartootaa irraan sitti majanfadha 174

Siwaakiin afaaniif qulqullina, Rabbiif waan isa jaallachiisu.....175

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- halkan yeroo ka'an rigaan afaan isaani rigatu turani.....176

"Muslimni hundinuu torbaanitti guyyaa tokko dhiqachuuf dirqama qaba, yeroo sanatti mataa fi qaama isaa dhiqata" 177

"Uumamni waa shani, isaanis: Kittaannaa, rifeensa qaama saalaa maddii haaddachuudha, rifeensa affarroo muruu, kottee gabaabsuu fi rifeensa bobaa jalaa buqqisuudha" 178

Ani nama baay'ee bishaan (mazyiin) qaama salaa irraa dhangala'u ture, intalti isaanii waan nabira jirtuuf jecha Nabiyyii -Rabbiin

rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafachuu saalfadheetiin Miqdaad ilma Aswad akka isaan naaf gaafatuuf jecha ergee, gaafatee jennaan, isaanis akkana jedhan: “Qaama saalaa isaa dhiqatee wuduu’a godhata 180

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- janaabaa irraa yeroo dhiqachuu barbaadan, harka isaanii lameen dhiqatanii wuduu'a isaanii kan yeroo salaatuuf jedhan godhatan kan godhatan ta'an, eegasii ni dhiqatu..... 181

Harka kee lameenin akkana jechuutu siif gaya ture" eegasii yeroo tokko harka isaanii lameenin lafa rukutanii, eegasii harka bitaatin harka mirgaa irra haxaa’an, akkasumas gubbaa shanacha harka isaanii lameeni fi fuula isaanii haxaa'an..... 183

dhiisi ani Qulqulluu haala ta'aniinin isaan lameen godhadhee 185

Lakkii, sun hidda, garuu guyyoota hanga dhiigni ji'aa ishee keessatti sitti dhufuu sana salaata dhiisii, eegasii dhiqadhuu salaati..... 187

“Tokkoon keessan yeroo garaa isaa keessatti waan tokko shakke wanti sun irraa ba’uu fi dhiisuu isaa mirkaneeffachuu yoo baate, hanga sagalee dhaga’u ykn hafuura wahii fuunfatutti akka masjiidaa hin baane..... 188

Yeroo sareen meeshaa tokkoo keessanii keessaa dhugdetti si'a torba isa haa dhiqu 190

Yemmuu Mu'azinni Allaahu Akbar : Allaahu Akbar 191

Yeroo mu'azzina dhageessan waan inni jedhu jedhaa, ergasii salawaata na irratti buusaa..... 193

“Namni yeroo mu'azzina dhaga’u akkana jedhe: "Ashahadu an laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lah, wa anna Muhammadan abduhuu wa rasuuluh, radiitu billaahi rabban wabimuhammadin rasuulaa, wabil islaami diinaa" dilii isaa isaaf dhiifama, hiikni isaas: Rabbii tokkicha hiriyaa hin qabne malee haqaan gabbaramaan hin jiruu, Muhammad gabrichaa fi Ergamaa Isaa ta'uu ragaa ba'a, Rabbiin Gooftaa ta'uu, Muhaammad ergamaa ta'uu, Islaamummaan immoo amantii ta'uu jaaladhe jechuudha” 195

namni yemmuu azaana dhagahu akkas jedhe: "Yaa Rabbi , Gooftaa waamicha guutuu fi salaata yeroo hunda raawwatamu kanaa,

Muhammadiif eddoo guddaa fi sadarkaa kenniif, gara eddoo faarfamaa isa ati waadaa galteettis isa ol kaasi" namni jedhe: Araarsummaan/jaarsummaan koo guyyaa qiyaamaa isaaf ni ragga'a” 197

Du'aa'in azaanaa fi iqaamaa jidduutti hin deeffamu 199

“Mee odeessaa! balbala tokkoo keessanitti lagni guyyatti yeroo shan itti dhiqatu osoo jiraatee, mee maal jetta sun xurii isaa irraa homaa ni hanbisaa? 201

Hojii kamtu Rabbi biratti baay'ee jaallatama? isaanis akkana jedhan: "Salaata yeroo ishee eeggatanii salaatuudha", nan jedhe: Eegasii hoo? isaanis ni jedhan: “Abbaa fi haadhatti tola ooluudha", nan jedhe: Eegasii hoo? isaanis ni jedhan: "Karaa Rabbii keessatti duuluudha 202

“Namni muslimaa tokko kan salaanni dirqamaa itti dhuftee wuduu’a ishee bareechee godhatee, khushuu'a isheeti fi rukuu'a ishee eeggatee sirnaan salaatu hin jiru, waan dilii guddoo hin hojjatiniin salaanni sun diliiwwan irraa waan ishee duratti dabreef haqxuu/dhoksituu taatu malee hin hafu, sun waggaa guutuu keessatti” 203

Salaatowwan shanan, Jumu'aan hanga Jumu'aatti, Ramadaanni hanga Ramadaanaatti, waan isaan gidduutti raawwatame ni haqan yoo badii gurguddoo irraa fagaatame 204

Ijoolleen keessan yeroo waggaa torba ta’an akka salaata jalqaban isaan ajajaa, yeroo waggaa kudhan guutan immoo (yoo didan) isaan reebaa,eddoo hirriibaa irrattis addaan isaan baasaa 206

“Rabbiin ol tahe akkana jedha: Anaa fi garbicha koo gidduutti salaata walakkaa lamatti qoode.Gabrichi kootif immoo waan inni gaafatetu isaaf jira 207

“Kakuun jidduu nuu fi isaanii jiru salaata, namni isa dhiise dhugumatti kafare” 210

“Jidduu namichaatti fi jidduu shirkii fi kufritti salaata dhiisuutu jira” 211

“Yaa Bilaal, slaata dhaabi, salaataan hafuura nu baafachiisi 212

Allaahumma baa'id beynii wa beyna khaxaayaaya kamaa baa'adtta beynal mashriqi walmaghrib.....213

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaata jalqabuuf jedhan, ...215

“Nama Faatihaa hin qara’iniif salaanni hin jiru” 217

Isa lubbuun tiyya harka Isaa keessa jirtuun kakadha, ani salaata Ergamaa Rabbiitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- fakkeessuu keessatti irra dhihoo keessani, salaanni isaanii akkana turte hanga addunyaa tana gad dhiisanii deemanitti 218

Humna torba irratti akkan sujuudu ajajame: 220

Isin Gooftaa keessan akkuma ji'a kana argitaniitti arguuf teessan, Isa arguufis wal hin rakkiftan 221

Namni salaata qorraa lamaan salaate Jannata seena 223

Salaata subhii namni salaate eegumsa Rabbii keessa jiraata 224

“Namni salaata tokko irraanfate yeroo isa yaadatetti haa salaatu, san malee bakka bu'aan isaaf hin jiru.....225

Munaafiqoota irratti salaanni akkaan ulfaataa ta’e, salaata Ishaa'ii fi fajrii yoo ta’u, osoo waan isaan lamaan keessa jiru beekanii osoo shorrooqiinsalleen taatee isaan lamaan ni dhufu ture 226

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dugda isaanii rukuu'a irraa yeroo ol kaasan akkana kan jedhan ta'an: "Sami'allaahu Liman Hamidah 228

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- sujuuda lamaan jidduutti akkana jechaa turan: "Yaa Rabbii kiyya, naaf araarami yaa Rabbii kiyya, naaf araarami 229

Yeroo salaattan tarree keessan qajeelchaa, eegasii tokkoon keessan imaama isiniif haa ta'u, yeroo inni Allaahu akbar jedhe isinis Allaahu akbar jedhaa 230

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- shanachi koo shanacha isaanii lameen giddutti haala ta'een akka suuraa Qur'aana irraa taate na barsiisanitti Tashahhuda(Attahiyyaata) na barsiisana 236

Yaa Rabbi! azaaba qabrii, gidira ibiddaa, rakkina jireenyaa, rakkina du'aati fi qormaata masiih addajjaal irraahiin sitti maganfadha....239

Rabbiif sujuuda heddummeessi, sababni isaas Rabbiif jecha ati sujuuda hin gootu sababii saniif sadarkaa si ol kaasee, dilii si irraa buusu malee.....241

"Nyaanni bakka jirutti salaatni hin jiru, akkasumas yeroo namichi fokkataa lamaanin wal deddeebisu keessattis salaata salaatuun hin jiru".....243

Sun sheyxaana "Khinzab" jedhamu, Yeroo wanti akkasii sitti dhaga'ame, Rabbitti irraa maganfadhuu, gara bitaa kee irratti yeroo sadii tufi.....243

Hattuun hamaan nama salaata hatuu dha", ni jedhe :akkmitti salaata isaa hata? ni jedhan: "Rukuu'as ta'e sujuuda isaa hin guutu 245

"Tokkoon keessan yeroo imaama dura mataa isaa ol kaasu, Rabbiin mataa isaa mataa harree taasisuu, ykn Rabbiin suuraa isaa suuraa harree taasisuu hin sodaatuu? 246

Isin keessaa namni tokko salaata isaa keessatti yoo shakkee, meeqa akka salaate yoo hin beekin sadii moo afurii, shakkii sana ofirraa dhiisee, waan mirkaneeffate irratti ijaaree, eegasii osoo salaamata hin jedhin sujuuda lama haa sujuuduu.....247

Irra caalaan Guyyaa aduun itti baate guyyaa Jum'aati 249

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- saalaata hunda booda isiidhaan zakkaru turani.....251

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhuma salaata dirqamaa hunda keessatti akkana kan jedhan ta'an.....253

Namni duuba salaata hundatti Subhaanallaah yeroo soddomii sadii, Alhamdulillaah yeroo soddomii sadii, Allaahu Akbar yeroo soddomii sadii jedhe, kun sagaltamii sagal ta'a, dhibba guutuuf: Laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wa huwa alaa kulli shey'in qadiir jedhe, diliin isaa osoo akka hoomocha galaana bahr ta'ellee dhiifama argateera.....255

Namni booda salaata dirqamaa hundatti Aayatal-Kursii qara'e du'a malee wanti Jannata seenuu isa dhorgu hin jiru 257

Nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-Rak'aa kudhanin haffaze 258

"Tokkoon keessan yeroo masjiida seene osoo hin taa'in raka'aa lama haa salaatu".....259

"Guyyaa Jum'aa, osoo imaamni gorsuu hiriyyaa keetiin callisi (dhageeffadhu) yoo jette, ati dhugumatti dogoggorte (sadarkaa salaata jum'aa dhabdeerta") 260

"Masjiida kiyya kana keessatti salaanni tokko Masjiida biraa irra mindaa salaata kuma tokkootin caala, Masjida haramaa malee 261

Namni Rabbiif jecha masjiida tokko ijaare, Rabbiin jannata keessatti waan isa fakkaatu isaaf ijaara 262

Abbaan warqii fi meetii waan irraa kaffaluun malu hin kaffalin guyyaa Qiyaamaa loowhaan ibiddaa isaaf diriirfamu malee hin hafu 263

Sadaqaan qabeenya kamuu irraa hin hir'ifne, Rabbiin garbicha tokkoof dhiifama gochuu isaatiif injifannoo malee homaa hin daballe, namni tokkoyyuu Rabbiif jecha gad of qabee Rabbiin ol isa fuudhu malee hin hafu 270

Rabbiin ni jedhe: "yaa ilma Aadam kenni anis siifan kennaa.....271

Meetii warqiidhaan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, qamadii qamadiin jijjiiruun dhala, hoodhuu fi as kenniin yoo tahe malee, garbuu garbuun jijiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee, timira timiraan jijjiiruun dhala, yoo hoodhuu as kenniin tahe malee 272

Yaa Ilmaan namaa, Rabbiin gaarii dha, waan gaarii malee namarraa hin qeebalu, Rabbiin waan ergamtoota itti ajajetti mu'umintootas ajaje 275

Namni nama rakkataa yeroo kenneef, yookaan isaaf irraa gadi buuseef, guyyaa gaaddisa Isaa malee gaaddisni hin jirre guyyaa qiyaamaatti Rabbiin gaaddisa Arshii Isaa jaalatti isaaf gaaddiddeessa 278

Namicha yeroo gurguru, yeroo bituu fi yeroo waan liqeesse deebisiifatu laafaa ta'e Rabbiin rahmata isaaf haa godhu 279

Namicha tokko kan namootaaf waa liqeessutu ture, gurbaa isaatiin akkas jedha ture: yeroo rakkataatti dhufte irra isaaf darbi, Rabbiin irra nuuf darbuutu mala 280

Namoonni wohii qabeenya Rabbii haqaan maletti fedhanitti ittifayyadamu, isaaniif guyyaa qiyaamaa keessatti ibiddaatu jira..282

Rabbiin akkas jedhe: Sooma malee hojiin ilma Aadaam hundi isaaf ta'a, soomni anaaf ta'a, anaatu isaan mindeessa 283

Dirqamummaa isaa amanee akkasuma mindaa isaa Rabbiin irratti herregatee namni ji'a Ramadaanaa soome badiin isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama 286

Jaalalleen koo Nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, waan sadii akkan hojjedhu naaf dhaaman: ji'a ji'aan guyyaa sadii soomuu, raka'aa lamaan salaata Duhaa salaatuu fi osoon hin rafiin dura salaata witrii salaatuudha 287

Haala Rabbitti amanee fi mindaa isa irratti herregateen namni halkan laylatulqadrii dhaabbate, badii isaa irraa kan darbe isaaf dhiifama 289

"Namni hajjii godhee qunnamtii saalaa isa keessatti hin raawwatin, akkasumas kan hin fincilin (ajaja Rabbiitiin ala kan hin bahin) akka guyyaa haati isaa isa deesseetti deebi'a" 290

Wanta shakkitu dhiisii, gara waan hin shakkinee deemi, dhugumatti dhugaan tasgabbii dha, sobni immoo shakkii dha 291

Rabbiin suuraa keessanii fi qabeenya keessan hin ilaalu, garuu kan Inni ilaalu qalbii keessanii fi hojii keessani 292

"Dhugumatti Rabbiin ni hinaafa, muuminnis ni hinaafa, hinaaffaan Rabbii immoo muuminni waan Rabbiin isa irratti haraama godhe hojjachuudha" 294

Torban balleessituu taate irraa fagaadhaa 295

"Dammaqaa! cubbuu gurguddaa isiniif himuu? 296

"Cubbuuwwan gurguddoon: Rabbitti waan biraa qindeessuu, Haadhaa fi Abbaa Galata dhabuu, Lubbuu ajjeesuu fi kakuu sobaa kakachuudha" 298

“Guyyaa Qiyaamaa jalqaba wanti isa keessatti gidduu namootatti murtiin godhamuu dhiiga.....300

Namni nama muslimoota waliin walii galteen jiru ajjeese urgooftuu Jannataa hin argu urgooftuun ishees fagoo waggaa afurtamaa irraa argama 301

Firooma kutaan jannata hin seenu 302

Namni rizqiin isaa akka ballifamuuf, umuriin isaa akka dheereffamuuf jaallate, firooma isaa haa fufu (maxxanfatuu).....303

Firooma fufaan waan isaaf godhan irratti galata kan deebisu osoo hin taane, garuu firooma fufaan isa yeroo firummaan isaa muramte isii fufuudha.....304

Komiin (hamti) maal akka ta'e beektuu?", Rabbii fi Ergamaa Isaatu beeka jedhan, Ergamaanis ni jedhan: "Obboleessa kee waan inni jibbuun dubbachuudha.....305

Wanti nama macheessu hundi farshoodha, wanti nama macheessu hundinuu ammoo haraama, namni addunyaa tana irratti farshoo dhugee osoo irraa hin towbatin araada itti tahee du'e, inni Aakhiratti ishee hin dhugu.....307

Ergamaan Rabbii -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- nama murtee keessatti gubboo fudhatuu fi nama gubboo kennus ni abaaran.....308

“Seehaa (namii) irraa fagaadhaa; Dhugumatti seehaan irra soba haasawaati.....309

Namni wolitti nama naqu (diru) jannata hin seenu.....311

Ummanni kiyya hundinuu nagaa keessa jiraatu warra badii hojjatanii muldhisan malee.....312

Yaa Ilmaan namaa! Rabbiin ba’aa wallaalummaa fi abbaa ofiitin of tuuluu isin irraa buqqiseera.....313

Rabbiin biratti akkaan irra jibbamaan namootaa nama falmii gogaa falmuudha.....315

Muslimni lama (wol ajjeesuuf jecha) seyfii isaaniitiin yoo wal qunnaman, kan ajjeeses kan ajjeefames ibidd keessatti ta'an 316

Namni meeshaa waraanaa nurratti baase nu irraa miti 318

Warra du'an hin arrabsinaa, isaan gara waan dabarsaniitti (hojii isaaniitti) deemaniiru 319

Nama tokkoof halkan sadi'ii ol obboleessa isaatiin ooduun hin eeyyamamuuf, yeroo wol araganutti kunis irraa garagala sunis irraa garagala, irra caalaan isaanii isa salaamataan eegalu 320

"Namni waan hidhii isaa lameen gidduu jiruu (Arraba) fi waan luka isaa lameen gidduu jiru (Qaama saalaa) of naaf qabe jannatan isaaf of qaba" 321

“Dubartiin takka abbaan manaa isii ykn mahramiin/firri dhihoo isii wajjiin yoo jiraate malee fageenya guyyaa lamaa hin imaltu 322

Booda kootii dhiirota irratti qormaata miidhaa ta'e kan akka dubartootaa hin dhiifne 325

Dhugumatti, duniyaan tun mi’ooftuu magariisa, Rabbiin isii keessatti warra isin duratti dabran irraa bakka isin buuse, akkamitti akka hojjattan ilaala, Kanaafuu duniyaa eeggadhaa dubartootas eegadhaa 326

Dubartoota irratti seenuu irraa of eeggadhaa». Namichi warra Ansaaraa irraa tahe tokko akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii fira abbaa manaa yoo tahe hoo? isaanis akkas jedhan: «Firri abbaa manaa du'a.....328

Gaa’elli/nikaahni waliyyiin/eegduun malee hin hidhamu 330

Ulaagaa hunda irra kan isin guutuu qabdan, ulaagaa ittiin qaama saalaa dubartii halaala taasifattani 331

Duuniyaan meeshaa itti fayyadamanu, irra caalaan meeshaa duuniyaa dubartii gaariidha 332

Hariira qallaa fi furdaas hin uffatinaa, meeshaa warqee fi meetii irraas hin dhuginaa, meeshaa isaan irraa hojjetame keessatti hin nyaatinaa, isheen addunyaa irratti isaaniifi (kaafitoota), Aakhiratti ammoo nuufi 333

Rifeensa affarroo (hidhii gubbaa) gabaabsaa, Areeda dhiisaa 335

“Dhiirri qaama saalaa dhiiraa hin ilaalu, dubartiinis qaama saalaa dubartii hin ilaaltu.....336

Irra filatamaan keessan nama haalli isaa irra tolaa ta'eedha 337

Mu'uminni haala toluu isaatin sadarkaa nama soomuu fi halkan dhaabbatuutti qaqqaba 339

Irra iimaana guutuun mu'umintootaa haala irra tolaa worra qabanu, irra caalaan keessan dubartoota isaaniitiif worra irra caalaa ta'anidha 340

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irra hedduu waan jannata nama seensisu irraa gaafatamanii, akkas jedhani: "Sodaa Rabbiitii fi haala toluudha 341

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoota hunda irra haala gaariin irra bareedaa turani 342

Nabiyyiin - Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kophee isaanii uffachuu, rifeensa isaanii filachuu, of qulqulleeffachuu fi dhimmoota isaanii hunda keessatti mirga dursuu jaallatu turani 343

Rabbiin waan hunda irratti tola ooluu dirqama godheera 345

Worri haqaan murteessan (guyyaa qiyaamaa) Rabbiin biratti teessoowwan ifa irraa ta'e irratti, gara mirga rahmaaniin ta'ani, harki Isaa lameenuu miraga 346

Of miidhuus ta'ee nama biraa miidhuunis hin ta'u, nama nama miidhe Rabbiin isa miidha, namni jabeesse Rabbiin isatti jabeessa 347

Fakkeenyi hiriyyaa gaarii fi hiriyyaa hamaa akka nama miskii baatee fi nama beeloo afuufuudha. 349

Hin dallanin 350

Jabaan kan wallaansoo qabee injifate osoo hin taane, dhugumatti jabaan isa yeroo dallansuutti lubbuu isaa to'atuudha 351

Saalfiin iimaana irraayi 352

(Namni tokko yeroo obboleessa isaa jaallate akka isa jaallatu isatti haa himu) 353

Toltuun hunduu sadaqaadha 354

Humna ilma namaa guutuu irraa sadaqaatu jira 355

Miilli gabrichaa lamaan guyyaa qiyaamaa hin sochootu, umrii isaa maal keessatti akka fixe, beekumsa isaa maal akka itti hojjete, qabeenya isaa eessarraa akka carraaqee fidee fi maal keessatti akka

isa baasee fi qaama isaa maal keessatti akka fixe irraa hanga gaafatamutti 357

“Namni dubartii abbaan manaa irraa du’ee fi nama rakkate kunuunsu, akka nama karaa Rabbii irratti qabsaayuuti, ykn akka nama halkan dhaabatee guyyaa soomuuti.” 358

Namni Rabbii fi guyyaa Aakhiratti amane toltuu haa dubbatu yookaan immoo haa callisu 360

Tooltuu irraa homaa hin tuffatin, fuula ifaa ta'een obboleessa keetiin wol gahuu osoo ta'eellee 361

Nama namaaf rahmata hin goone Rabbiin ol ta'e rahmata isaaf hin godhu 362

“Warri rahmata namaa godhan, Rahmaan(Rabbiin) rahmata godhaaf, warra dachii irra jiraniif rahmata godhaa, Inni samii keessa jiru rahmata isiniif godhaaa” 363

Muslima jechuun nama arrabaa fi harka isaa irraa Muslimoonni nagaa ta’aniidha, godaanaa jechuun immoo nama wanta Rabbiin dhoorge dhiiseedha 364

Haqni muslimaa muslima irratti waa shani, isaanis: salaamataa deebisuu, dhukkubsataa gaafachuu, janaazaa hordofuu, waamicha owwaachuu fi nama haxxiffateen Yarhamukallaah jechuudha 366

Hanga amantanitti Jannata hin seentan, hanga wal jaallattanitti hin amantan, waan yoo isa hojjattan wal jaallattanitti isin qajeelchuu? salaamtaa gidduu keessanitti waliin jechuu heddummeessaa” 367

Namichi tokko Nabiyyicha nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu akkas jedhee gaafate: Islaamummaa keessaa kamtu caala?isaanis akkas jedhaniin: "Nyaata nyaachifta, warra beektu fi warra hin beeknenis salaamataa jetta". 368

Waan Rabbiin diliiwwan isaan haqee sadarkaalee isaan ol kaasutti isin qajeelchuu? 370

“Mu'uminni cimaatu Rabbiin biratti mu'umina laafaa irra caala, irra jaallatamaasi, haa jennuu malee hunduma keessa kheyriin ni jira,372

Jibriil haqa ollaa naaf dhaamuu irraa booda hin jenne, hangan isa ni dhaalchisa jedhee yaadu tokkotti 374

Namni kabajaa obboleessa isaa irraa ittise Rabbiin guyyaa qiyaamaatti fuula isaa irraa ibidda deebisa 375

Gara laafummaan waan tokko keessatti hin ta'u isa faayu malee, waan tokko irraa hin fuudhamu isa jibbisiisu malee 376

Laaffisaa hin jabeessinaa, gammachiisaa hin baqachiisinaa.....377

“Isin keessaa namni tokko yommuu nyaatu harka mirgaatiin haa nyaatu, yommuu dhugu harka mirgaatiin haa dhugu, Sheyxaanni harka bitaa isaatiin nyaata, harka bitaa isaatiinis dhuga” 378

Yaa gurbaa maqaa Rabbii waami(Bismillaahi jedhi), harka mirgaatiin nyaadhu, gara keetin nyaadhu.....379

Rabbiin gabricha irraa nyaata nyaatee isa irratti isa galatoomfachuu irraa jaallata, yookaan dhugaatii dhugee isa irratti isa galatoomfachuu 381

Namichi tokko eddoo Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jiranitti bitaa isaatiin nyaatee jennaan Nabiyyiin akkana jedhaniin: "Harka Mirga keetin nyaadhu", innis akkana jedhe: hin danda'u, isaanis ni jedhan: "hin danda'in .381

Namni qullubbii ykn shunkurtii nyaate, nurraa haa fagaatu, masjiida keenya irraayis haa fagaatu, mana isaa keessatti haa hafu 383

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo haxxifatan harka isaanii -ykn uffata isaanii- afaan isaanii irra kaa'anii, isaan sagalee isaanii kan gadi qaban ta'an 386

Rabbiin akkuma dirqamni isaa hojjatamuu jaallatutti wanti inni laaffisees hojjatamuu jaallata.....387

Rabbiin nama toltuu isaaf fedhe, rakkoon isa tuqa.....388

“Dadhabbiin, dhukkubni, yaaddoon, gaddii fi miidhaan kamiyyuu muslima tokko hin mudatu, hanga qoree isa waraanu gayuutti Rabbiin sababaa sanaatiin dilii isaa irraa buusu malee.”.....389

Dhimmi mu’uminaa akkam nama ajaa’iba, dhimmi isaa hundi gaarii dha. Sunis nama Mu'uminaa qofaaf malee nama kamiifuu miti....390

"Garbichi yeroo dhukkubsatetti yookaan yeroo imala ba'etti akkuma yeroo biyya isaa jiraataa fi fayyaa ta'e hojjatutti isaaf barreeffama 391

Qormaata akka ciccitaa halkan dukkanaa'aa jalaa hojii gaarii hojjechuun ariifadhaa, ...392

Namna Rabbiin toltuu isaaf fedhe diinii isa hubachiisa 394

Beekaatti ittiin dhaaddachuuf jecha beekumsa hin baratinaa, gowwootas ittiin falmuuf jechas hin baratinaa 395

Irra caalaan keessan nama Qur'aana baratee barsiise.....396

Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatoota kudhan kan qara'an turani, hanga beekumsaa fi hojii waan isii keessa jiru baranutti barumsa kurnan biroo hin fudhatanu ture.....397

Abbaa Qur'aanaatiin ni jedhama: qara'i, ol ba'i, akka duuniyaa irratti qara'aa turte sanattis qara'i, qubsumni kee bakka aayaa dhuma irratti isii qaraatuuti 398

tokkoon keessan yeroo gara maatii isaatti deebi'etti gaala rimaa qabdu gurguddoo gagabbattuu sadi isaan biratti argachuu ni jaallataa?...399

Qur'aana kana eeggadhaa, isa lubbuun Muhammad harka isaa jirtuunan kakadha, inni gaalli hidhaa isii keessaa miliquu caalaatti nama harka miliqa 400

Manneen keessan qabroota hin taasisinaa, mana suuraan baqaraa keessatti qara'amu sheexaanni irraa dheessa.....401

yaa abal munzir, kitaaba Rabbii keessaa aayaa si bira jirtu kamtu irra guddoo akka taate beektaa?» ni jedhe: akkanan jedhe: {ALLAAHU LAA ILAAHA ILLAA HUWA AL-HAYYU AL-QAYYUUM} [Al-baqaraa: 255], ni jedhe: ergamaanis qoma koo keessa rukutuun akkas jedhani: «Rabbiinan kakadha beekumsi si haa gammachiisu yaa abal munzir.....402

Du'aa'iin (kadhaan) inni ibaadaadha 404

Du'aa'ii caalaa wanti Rabbii ol ta'e biratti irra kabajamu hin jiru ..405

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuu kan heddummeessu turani: «Yaa kan qalbii garaggaggalchitu qalbii kiyya amantii kee irratti raggasisi 406

Yaa Rabbi amantii koo isa eegumsa kiyyaaf ta'e, naaf tolchi 408

Yaa Rabbi addunyaa fi aakhirattis fayyaa si kadhadha.....410

Yaa Rabbi kheyrii hunda si kadhadha, ariifataa fi harkifataa isaa, waan ani beekuf hin beeknes, badii hundumaa irraa sitti maganfadha 413

Iimaanni qalbii tokkoo keessanii keessatti akka huccuun butute moofa'utti moofa'a, kanaafuu qalbii keessan keessatti akka iimaana haaromsu Rabbiin kadhaa.....415

xumuura salaata hundatti akkas jechuu hin dhiisin: Yaa Rabbi si yaadachuu, si galateeffachuu fi akka gaariitti si gabbaruu irratti na gargaari.....416

Gabrichi Rabbii isaatti akkaan kan dhihaatu yeroo sujuuda keessa jirutti, kanaafuu kadhaa heddummeessaa".....418

Irra baay'een du'aa'ii Nabiyyii -nagaa fi rahmnni isaan irratti haa jiraatu- akkana jechuudha ture: "Yaa Rabbii keenya duniyaa irratti waan gaarii nuuf kenni, Aakhirattis waan gaarii nuuf kenni, azaaba ibiddaa irraas nu tiksi.....419

Hojiilee keessan keessaa irra caalaa isiniif himuu, akkasumas Rabbii keessaniin biratti irra qulqulluu ishee, sadarkaa keessan ol kaasuu keessatti irra ol aantuu ishee.....420

Waan guddaa irraa na gaafatte, innis nama Rabbiin isaaf salphise irratti salphaadha.....423

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- halkan hundaa yeroo gara firaasha isaanitti bahanitti ganaa isaanii lameen walitti qabanii, eegasii isaan keessatti tuttufuun: {Qul huwa allaahu ahad}, {qul a'uuzu birabbi al-falaq} fi {qul a'uuzu birabbinnaas} isaan keessatti qara'an.....428

“Gooftaan istigfaaraa.....429

Yaa Rabbi siin bariisifanne, siin galgaleefanne, siin jiraanna, siin duuna, garuma kee deebina.....431

Nama akkana jedhe: Maqaa Rabbii kan isa waliin dachii irratti ta’ee samii keessatti wanti nama miidhu hin jirreenin tikfama, inni hedduu dhaga'aadha beekasi, yeroo sadii, hanga ganamatti balaan tasaa isa hin mudatu.....434

{Jedhi: Inni Rabbii tokkicha} fi suuraa (Mu'awwazateyn) lamaan, yeroo galgalaa fi ganamaa yeroo sadii, waan hundumaa irraa siif geessi 436

Rabbiin biratti Irra jaallatamaan haasaadhaa afuri: Subhaanallaah (Allaahaan qulqullaa'e), Wal hamdu lillaah (faaruun kan Allaahaati), Wa laa ilaaha illallaah (haqaan gabbaramaan Allaaha malee hi jiru), Wallaahu akbar (Allaahaan waa hinda irra guddaadha), kamii isaanitiinuu eegaltu si hin miidhu 437

Namni yeroo kudhaniif "Laa ilaaha illallaahu Wahdahuu Laa Shariika lahuu, Lahul mulku Walahul hamdu wahuwa Alaa kulli shay'in Qadiir" jedhe.....439

Jechoota lama kan arraba irratti laafoo ta'an, miizaana irratti ulfaatoo ta'an, Rahmaaniin biratti jaallatamoo ta'an 440

Namni Subhaanallaah Wobihamdih, guyyaa keessa yeroo dhibba tokko jedhe, akka oomacha bahraa yoo ta'ellee badiin isaa isarraa haqamti 441

Qulqullummaan wolakkaa iimaanaati, Al-hamdulillaahiin (faaruun hundi kan Rabbiiti jechuun) immoo miizaana guutti, Subhaanallaah fi Wal hamdulillaahiin (Rabbiin qulqullaa'e jchuu fi faarun hundi kan Rabbiiti jechuun) immoo ni guutani -yokaan ni guuutti- gidduu samiiwwanii fi dachii.....442

Irra caalaan zikriidhaa: Laa ilaaha illallaah jechuudha, irra caalaan kadhaadhaa immoo: Alhamdulillaah jechuudha 444

Namni bakka tokko qubatee eegasii, A'uuzu bikalimaati Allaahi attaammaati Minsharri Maa Khalaq jedhe, qubsuma isaa sana irraa hanga imalutti homaa isa hin miidhu.....445

“Isin keessaa namni tokko masjiida yoo seene akkana haa jedhu: (Allaahumma iftah lii abwaaba rahmatik) jechuunis: Yaa Rabbi balbala rahmata keetii naaf bani jechuudha, yeroo bahu immoo akkana haa jedhu: (Allaaumma innii as'aluka min fadlik) jechuunis: Yaa Rabbi tola kee irraa si kadhadha jechuudha”.....447

“Namni tokko yeroo mana isaa seenee, yeroo seenuttii fi bakka nyaatatti yoo Rabbiin zakkare sheyxaanni akkana jedha: Bakka bultiis irbaatas hin qabdan 448



Hadiisonni Nabiyyii Maddoota Amantii Islaamaa keessaa isiin madda lammaffaati. Rabbiin ol tahe ni jedhe: "(Inni) fedha lubbuu isaa irraa hin dubbatu" (3) "Inni beeysisa isatti beeysifamu malee waan biroo hin taane" (4) [An-najm: 3-4]

Kuusaan kuni walitti qabamaa hadiisoowwan hiika hedduu of keessaa qabdu tan muslimni diinii fi duniyaa isaa keessatti haalaan itti haajamu of keessatti qabateera, ibsa gabaabaa itti godhuun, akkasumas qajeelfamaa fii hiika isii ibsuun, faaydaalee isii muraasa ibsuun wajji. Akka faaydaan isaa hunda wal-gayuufii sunnaa Nabiyyii keenyaa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ilma namaa hundatti afaan isaaniitiin geessuuf jecha Afaanoowwan addunyaa bebbeekamotti hiikamteerti.

9 786038 534021

HadeethEnc.com